KOMISHINII KAROORAAFI MISOOMA DIINAGDEE OROMIYAA

Gabaasa Guutuu



GAMAAGGAMA RAAWWII KAROORA GUDDINAAFI TIRAANSIFOORMEESHINII

2ffaa

Caamsaa,2012
Finfinnee

Yaadachiisa

Gabaasni kun Ragaa Manneen Hojii Mootummaa Naannoo Oromiyaa, Ejensii Istaatistiksii Giddugaleessaa fi Manneen Hojii Mootummaa Federaalaa irraa argame bu'ura godhachuun kan qophaa'ee fi xiinxalameedha. Sirrummaa ragaa xiinxala raawwii karoora kanaa malee, sirrummaa ragaawwan kanaatiif Komishiniin Karooraa fi Misooma Diinagdee Oromiyaa itti gaafatamummaa hin fudhatu.

Komishinii Karooraa fi Misooma Diinagdee Oromiyaa, www.pedco.org.et/

Bilbila: +251-115-50-77-90/ +251-115-54-97-27

Fax: +251-115-51-04-29/ +251-115-51-99-03

San.Poostaa: 2675/1250

Finfinnee

Hirmaattoota

I	Qopheessitoota		
1	Girmaa Ayyaansaa… Dursaa Garee Gamaaggama Misooma Hawaasummaa	11	Likkiisaa Darrasaa Ogeessa Diinagdee Gooroo
2	Misraaq Lataa…Dursituu Garee Karoora Misooma Dinagdee	12	Tamasgeen Dabalaa….. Ogeessa Karoora Misoomaa
3	Lachiisaa Tolasaa … Dursaa Garee Karoora Misooma Hawaasummaa	13	Amaaraa Hayiluu. Ogeessa Diinagdee Gooroo
4	Nugusee Diroo ... Ogeessa Gamaaggama	14	Arfaasaa Kiroos...Ogeessaa Gamaaggama
5	Saamu'eel Alamaayyoo… Ogeessa Karoora Misoomaa	15	Darajjee Waaqumaa … D/Garee Gamaaggama Misooma Diinagdee
6	Guddinaa Argataa…Daarekteera Dinagdee Gooroo fi Akkaawuntii Diinagdee	16	Garramoo Didhaa -- Ogeessa Gamaaggamaa
7	Firoomsaa Duuressaa … Ogeessa Gamaaggamaa	17	Haannaa Abarraa…Ogeettii Karoora Misoomaa
8	Asfaaw Warquu … Ogeessa Gamaaggamaa	18	Miliyoon Abbabaa…Ogeessa Karoora Misoomaa
9	Abdiisaa Kabbadaa… Ogeessa Diinagdee Gooroo	19	Sabbooqaa Gabbisaa ..... Ogeessa Karoora Misoomaa
10	Alamuu Lammii... Ogeessa Karoora Misoomaa	20	Abarraa Mangistuu… Ogeessa Gamaaggamaa
	II. Gulaaltota		**III. Xiinxaltoota**
1	Gazzuu Urgeessaa…. Daarekteera Karoora Misoomaa	1	Abdul'aaziiz Daawud… I/A/ Komishineera fi I/G Damee Gamaaggamaa fi Qorannoo Imaammataa
2	Tasfaayee Yaadataa… Darekteera Gamaaggama Raawwii Misoomaa		
3	Tasammaa Baqqalaa… Darekteera Qorannoo Imaammataa	2	Tashoomaa Nugusee… I/A/Komishineeraa I/G Damee Karoora Misoomaa
	IV. Qindeessaa		
	Dr. Tashoomaa Addunyaa ... Komishineera		

Hiika jechoota gaggabaaboo(Gabaajee)

AHB..... Aanaalee Horsiisee Bulaa

AIR ..... Apparent Intake Rate

ANC..... Antenatal care

ATKO……AbbaaTaayitaa Konistiraakshinii Oromiyaa

ATTDhMM.....Abbaa Taaytaa To'annaa Dhaabbilee Misooma Mootummaa

BBO..... Biiroo Barnoota Oromiyaa

BEFO.....Biiroo Eegumsa Fayyaa Oromiyaa

BMG..... Barmaatilee Miidhaa Geessisan

CAR.....Contraceptive Acceptance Rate

CPR..... Contraceptive Prevalence Rate

EDHS..... Ethiopia Demographic and Health Survey

EIGG/CSA....EjensiiIstaatistiksii Giddugaleessaa /Central Statistical Agency

EMGOO…..Ejensii Mirkaneessa Gahumsa Ogummaa Oromiyaa

FDI…. Foreign Direct Investment

FTC…... Farmers' Training Centre

GBND….Giddugala Badhaadhina Namooma Dargaggootaa

GDP…. Gross Domestic Product

GER/RHD…Gross Enrollment Rate/ Reettii Hirmaannaa Dilboo

G/g……. Giddugaleessaan

GGB… Giddugala Guddina Baadiyaa

ICT/TQO….Information Communication Technology/ Teknoolojii Qunnamtii Odeeffannoo

IDA…...International Development Association

IFH.....Inshuraansii Fayyaa Hawaasaa

IMX.....Interpiraayzii Maaykiroo fi Xixiqqaa

ISO.....International Standard Organization

KGT I…. Karoora Guddinaa fi Tiraansifoormeeshinii 1ffaa

KGT II….Karoora Guddinaa fi Tiraansifoormeeshinii 2ffaa

KKMDO....Komishinii Karooraa fi Misooma Diinagdee Oromiyaa

KIO..... Komishinii Inveestimentii Oromiyaa

LDP..... Local Development Plan

MGO.... Mirkaneessa Gahumsa Ogummaa

MNO.... Mootummaa Naannoo Oromiyaa

NER/RHQ..Net Enrollment Rate/ Reettii Hirmaannaa Qul-qulluu

NIR/ RSQ... Net Intake Rate/ Reettii Simannaa Qul-qulluu

PASDEP....Plan for Accelerated and Sustainable Development to End Poverty

PNC... Postnatal Care

RMDD…. Raayyaa Misooma Damee Dubartootaa

TEI…… Tajaajila Eksiteenshinii Induustirii

UIIDP…. Urban Integrated Infrastructure Development Program

ULGDP.....Urban Local Government Development Program

WALQO.....Waldaa Aksiyoona Liqii fi Qusannaa Oromiyaa

WB..... World Bank

WHG.... Walitti Hidhamnsa Gabaa

Ykn..... Yookaan

Baafata Fuula

SEENSA **1**

KUTAA I: XIINXALA RAAWWII GALMOOTA GURGUDDOO FI KALLATTIIWWAN FUUL-DURAA **4**

1. KAAYYOOWWAN KGT-II **4**

1.1. XIINXAALA RAAWWII KGT-II IJA MILKAA'INA KAAYYOOWWAN ISAATIIN 4

1.1.1 Guddina Diinagdee *5*

1.1.2 Tiraansifoormeeshinii Diinagdee *5*

1.1.3 Hirmaannaa Fayyadamummaa Uummataa *8*

1.2. XIINXALA RAAWWII FI KALLATTII IMAAMMATA KAROORA DAMEE DIINAGDEE ..9

1.2.1. Oomishaa fi Oomishtummaa Qonnaa *9*

1.2.2. Babal'insa Bu'uraalee Misooma Baadiyaa *26*

1.2.3. Misooma Induustirii fi Ce'umsa Caasaa Diinagdee *31*

1.2.4. Misooma Magaalaa fi Manneenii *39*

1.2.5. Geejjibaa fi Nageenya Daandii *46*

1.3. XIINXALA RAAWWII FI KALLATTII IMAAMMATA KAROORA DAMEE HAWAASUMMAA 48

1.3.1 Misooma Barnootaa *48*

1.3.2 Misooma Fayyaa *57*

1.3.3 Misooma Dubartootaa, Dargaggoo fi Daa'immanii *66*

1.3.4 Misooma Aadaa fi Turiizimii *71*

1.3.5 Haqaa fi Nageenyaa *71*

1.3.6 Ga'umsa Raawwachiisummaa Mootummaa Cimsuu *72*

KUTAA 2: RAAWWII KGT-II SEEKTARAAN **74**

2.1. DINAGDEE GOOROO 74

2.1.1 Hojii Dhabdummaa *78*

2.1.2 Qaala'insa Gatii *79*

2.1.3 Indeeksii Misooma Namaa (Human Development Index/HDI) *81*

2.1.4 Faaynaansii Mootummaa/Public Finance/ *81*

2.2. KILAASTERA MISOOMA QONNAA FI BAADIYYAA 86

2.2.1. Misooma Midhaanii *87*

2.2.2. Misooma Qabeenya Beelladaa fi Qurxummii *105*

2.2.3. Hirmaannaa fi Bu'aa Qabeessummaa Waldaalee Hojii Gamtaa *124*

2.2.4. Dhaqabummaa Teknoolojiiwwan fi Fayyadamummaa Q/H Bultootaa *128*

2.2.5. Bu'uraalee Misooma Baadiyyaa *129*

2.2.6. Misooma Albuudaa *144*

2.3. KILAASTERA MISOOMA MAGAALAA 149

2.3.1. Misooma Magaalaa fi Manneenii *149*

2.3.2. Misooma Geejjibaa *162*

2.3.3. Misoomaa Induustirii *168*

2.3.4. Bulchiinsaa fi Itti Fayyadamaa Qabeenya Lafa Oromiyaa *177*

2.3.5. Misooma Daldalaa *183*

2.3.6. Misooma Gabaa *184*
2.3.7. Konistiraakshinii *201*
2.3.8. Dhaabbilee Misooma Mootummaa *208*
2.3.9. Barnoota Leenjii fi Teekinika Oogummaa (BLTO) *212*
2.4. KILAASTERA MISOOMA HAWAASUMMAA 221
2.4.1. Misooma Barnootaa *221*
2.4.2. Misooma Fayyaa *271*
2.4.3. Misooma Aadaa fi Turiizimii *291*
2.4.4. Misooma Dhimma Dubartootaa, Daa'immanii fi Dargaggootaa *301*
2.4.5. Misooma Hojjetaa fi Hawaasummaa *320*
2.4.6. Misooma Ispoortii *330*
2.4.7. Misooma Saayinsii, Teknooloojii fi Quunnamtii Odeeffannoo *334*
2.4.8. Misooma Bulchiinsaa fi Qabeenya Namaa *338*
2.4.9. Dhimma Uummataa fi Misoomaa *342*
2.4.10. Dhimmoota Hojii Kominikeeshiinii *347*
2.4.11. Oromiyaa Birooddikastingii Neetwoorki [OBN] *350*
2.5. SEKTARAALEE HAQAA FI NAGEENYAA 352
2.5.1. Hojii Bulchiinsaa fi Nageenyaa Oromiyaa *358*
2.5.2. Poolisii Oromiyaa *359*
2.5.3. ABBAA ALANGAA WALIIGALAA OROMIYAA *364*
2.5.4. Bulchiinsa Manneen Sirreessaa Oromiyaa *368*
2.5.5. Naamusaa fi Farra Malaammaltummaa Oromiyaa *369*
2.5.6. Galmeessaa Ragaa Bu'uura Hawaasummaa *372*
2.5.7. Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa *373*

SEENSA

Ibsa gabaabaa

Karoorri Guddinaa fi Tiraansifoormeeshinii lammaffaan (KGT-II) itti fufaa (a sequel to) KGT-I yommuu ta'u, mul'ata bara 2017 ALI Oromiyaa biyyoota galii giddu galeessa jalqabaa (lower middle income) biraan gahuuf taa'e raawwachuuf akka riqichaa ce'umsaatti gargaaruuf kan qophaa'eedha. Karoorri kun kaayyoowwan gurguddoo afur qaba. Isaanis guddina diinagdee Gooroo naannoo (RGDP) bara-baraan giddugaleessaan %11.2 galmeessisuu, Tiraansifoormeeshinii ykn ce'umsa caasaa diinagdee jalqabame babal'isuu, hirmaannaa fi fayyadamummaa uummataa mirkaneessuu fi mootummaa misoomawaa dimokraatawaa ijaaruu dha.

Kaayyoowwan gamaaggama KGT-II

Kaayyoon gamaaggama kanaa jalqabarratti milkaa'ina galma ga'insa raawwii karoora KGT-II madaaluudha. Itti aansuudhaan, milkaa'ina kaayyoowwan kanaa keessatti raawwiin dameewwan misoomaa maal akka fakkaatu xiinxaluudha. Sadaffaarratti, karoora itti aanuutiif galtee akka ta'u muuxannoowwan gaggaariin yoo jiraatan qindeessuu fi hanqinoota mul'taniif immoo fala ykn kallattii imaammataa eeruudha.

Mala gamaaggamichaa (approach)

Gamaaggama kana gaggeessuuf ittiin qajeelfama gamaaggama raawwii KGT-II fi qophii karoora waggoottan kurnanii fi shanan itti aananii (2013-2022/2013-2017) qophaa'ee jira. Ittiin qajeelfama kanarrattis Manneen Hojii Mootummaa Naannichaa wajjiin mariin kan irratti gaggeeffame yommuu ta'u, kanuma hordofuudhaan koreewwan adda addaa hundeeffamaniiru. Koreewwan kunis, koree hooggansaa fi koree teeknikaa jedhamanii kan beekaman yommuu ta'u, koreen lachuu caaseffama gubbarraa gara gadiitti kan diriirfame dha. Kanas ta'ee koreewwan teeknikaa sadarkaan jiran koreewwan hooggansaa sadarkaan jiranii

fi koree teeknikaa isaaniin gararraa jiraniif gabaasu. Caaseffamni koree hooggansaa koree ol-aanaa, koree kilaasteraa fi akkuma barbaachisummaa isaatti koree sekterootaa of-keessatti hammatee gubaa irraa hanga gadiitti kan diriirfamedha. Bifuma wal-fakkaatuun, koreen teeknikaas koree Gaheen hojii koreewwan kanaas koreewwan hooggansaa sadarkaan jiran koreewwan teeknikaatiif dhimmoota bulchiinsaa fi kallattii kennuu irratti ol-aantummaan kan gaggeessan yommuu ta'u, gamaaggama koreewwan teeknikaatiin dhiyaatuuf wajjiin ta'anii xiinxaluudhaan ni mirkaneessu. Koreewwan teeknikaa haala ragaan ittiin sassaabamuu fi gamaaggamni ragaa qabatamaa irratti hundaa'ee gaggeeffamurratti hammata (framework) qabaachuudhaan gabaasa gamaaggamaa xumuranii koree teeknikaa gararraa isaanii jiruu fi koree hooggansaatiif cinaa isaanii jiruuf ni dhiyeessu. Haala kanaan gabaasni sadarkaa-sadarkaan xiinxalamee gara xumuraatti dhufee jira.

Gamaaggamni kun ragaa qabatamaa irratti kan hundaa'e (evidence base) akka ta'u ragaa awwaniif xiyyeffannoo ol-aanaan kennamee jira. Gosti ragaa gamaaggama kanaaf oolan ragaa lammaffoo (secondary data) kan akka gabaasa manneen hojii, ragaa ejensiin Istaatistiksii Giddugaleessaa baasu, ragaa galmoota Misooma Itti fufinsaa (SDG) fi qo'annoowwan adda addaa turan. Xiinxalli ragaa hangamtaa caalmaatti haala guddinaa (trend analysis), uwwisa (coverage), hiraa (ratio) irratti xiyyeeffatee kan gaggeeffameedha. Ragaa kallattii (primary data) sassaabuuf yeroon isaa mudannoo KOVID-19 wajjin walirra bu'uu isaatiin hin danda'amne. Haa ta'uu malee qaawwa kana hanga danda'ametti qorannoowwan adda addaa kana dura gaggeeffamaniin guutuuf yaaliin godhamee jira.

Rakkinoota quunnaman

Rakkinni guddaan gamaaggama kana keessatti quunname qul-qullinaa fi amanamummaa ragaa manneen hojiirraa dhiyaatan yommuu ta'u gamaaggamichi si'oomina yaadameen akka hin raawwatamne gufuu guddaa ta'ee jira. Kana malees, yeroo itti ragaan manneen hojii qullaa'ee dhiyaatee booda gabaasa

xiinxaluudhaan ragaa kallattii (primary data) dirree irraa sassaabamutti dhibeen KOVID-19 biyyaa keenyatti argamuu wajjiin waan walirra bu'eef gabaasichi ragaa kallattiitiin deeggaramuu hin dandeenye. Haa ta'uu malee, akkuma armaan ol-itti ibsuuf yaalammetti qaawwaa lammaffaa kana duuchuuf qorannoowwan adda addaa kana dura gaggeeffaman ilaaluudhaan qaama xiinxalaa kanaa taasisuun waan danda'ameef hanga tokko rakkina kana dandamachuuf tattaaffiin godhameera.

Argannoowwan gurguddoo (major findings)

Gamaaggama kanaan wanti argame inni jalqabaa gar-tokkeen kaayyoowwan KGT-II kan milkaa'an jiraatanus, akkuma kana kanneen hin milkoofnes jiraachuu isaaniiti. Kunis, KGT-II kun gama Ce'umsa caasaa diinagdee itti fufsiisuutiin, galii nam-tokkee itti fufinsa an guddisuutiin fi KGT-I wajjiin walbira qabamee yommuu ilaallamu hanga tokko qaala'insi gatii tasgabbii agarsiisuu isaatiin akka milkaa'inaatti fudhatameera. Yeroo kana keessatti diinagdee waggatti giddugaleessaan %11.2 guddisuuf, hiyyummaa magaalotaa bara 2008 (%23.9) irra ture hanga xumura bara 2012 gara %21.4 gad-buusuun akkasumas, hojii dhabdummaa 2007 %15.5 ture hanga xumura bara 2012 gara %10 hir'isuuf maniiwwan taa'an faallaa kanaa ta'anii argamaniiru. Guddini diinagdee giddugaleessaan %8.67 qofa kan guddate yommuu ta'u hiyyummaan magaalotaa manii taa'e bira gahuu baatus %18 iraa gahuu danda'eera; hojii dhabdummaanis gara %19.53 ol-guddateera. Kanaafuu, kaayyoon guddina diinagdee fi fayyadamummaa uummataa keenyaa haga yaadame hin milkoofne jechuun ni danda'ama.

Kana maleesa raawwiin misoomaa dameewwan misoomaatiin faffaca'ee yammuu ilaallamu milkaa'ini galmaa'ee jiraatus, kufaatiin mudate irra bal'aadha. Kanaaf, sosochii uummataa wajjiin walqabatee tasgabbiin dhabamuu akka sababii tokkootti kan ka'uu danda'u ta'us hanqinni tarsiimoo raawwii karoorichaa keessatti mul'ate dhimma xiyyeeffannoo barbaadu akka ta'e ilaalameera. Kanarraa ka'uudhaan kallattiiwwan imaammataa fuulduraa gabaasa kana keessatti dhiyaatanii jiru. Gabaasni isaas itti aansee dhiyaateera.

Kutaa I: Xiinxala Raawwii Galmoota Gurguddoo fi Kallattiiwwan Fuul-duraa

1. Kaayyoowwan KGT-II

1) Diinagdee gooroo tasgabbaa'aa hordofuun(realizing a steady macroeconomic growth), qaawwota madaalawaa diinagdee keessatti mul'achuu jalqaban sirreessuun (by correcting the gaps of economic imbalances) **diinagdee naannoo keenyaa bara baraan g/galeessaan %11.2 guddisuun** mul'ata keenya (biyya keenya biyya galii giddu-galeessa gad- aanaa taasisuu) galmaan gahuuf shoora ol-aanaa taphachuu
2) Dandeettii injiinariingii fi faabirikeeshinii naannoo keenyaa guddisuu fi oomishtummaa damee oomishtootaa (qonnaa fi induustirii), qul-qullinaa fi miira dorgomtummaa jajjabeessuun tiraansifoormeeshinii (ce'umsa) caasaa diinagdee babal'isuu
3) Dandeettii fi gurmaa'insaUmmataa haala walirraa hincinneen ijaaruufi abbaa misoomichaa akka ta'uufi bu'aa isaa irraas fayyadamaa akka ta'u dandeessisuu
4) Mootummaa misoomawaa fi dimokraatawaa jajjabeessuun misooma siyaas-diinagdee Ijaaruudha.

1.1. **Xiinxaala Raawwii KGT-II Ija Milkaa'ina Kaayyoowwan Isaatiin**

Karoorri Guddinaa fi Tiraansifoormeeshinii lammaffaan bara 2017 A.L.I Oromiyaa biyyoota galii giddu galeessa jalqabaa (lower middle income) qaban biraan gahuuf mul'ata taa'e bira gahuuf karoorfamedha. Kanaafis kan KGTI irratti ijaaramee fi isa fooyyessee itti fufsiisuuf kan karoorfame yammuu ta'u, kaayyoowwan afur (sanduuqa A) qabatee ka'ee jira. Xiinxali kunis milkaa'ina kaayyowwan kanaa giddu galeessa taasifata.

1.1.1 **Guddina Diinagdee**

Diinagdee naannoo keenyaa bara-baraan Giddugaleessaan %11.2 guddisuuf akeekni taa'e, akka gabaasa diinagdee Gooroo irraa hubatamuun danda'ametti, waggoota shanan (2008-2012) giddugaleessaan %9.2 guddini galmaa'ee jira. Raawwiin kun hamaadhaaf kan kennu ta'uu baatus, hanga barbaadamurraa baay'ee gad-bu'aadha. Guddinni diinagdee Naannoo Oromiyaa KGT-II keessatti gatii bu'uraa bara 2003 irratti hundaa`uun giddugaleessaan waggaa waggaan % 9.2n guddachaa ture. Bara 2011 guddinni dinagdee naannoo %10.8 irra kan ture bara 2012 sababa nagaa fi tasgabbiin dhabamuu, goginsa, weerara dhibee Koronaa vaayirasii fi weerara hawaannisaa irra kan ka`e gara %8.1 gadi bu`eera.

Kutaa Dinagdee	2008	2009	2010	2011	2012
Qonna	3.0	5.5	6.1	4.6	7.8
Industrii	13.6	21.6	19.5	9.4	10.0
Tajaajila	5.2	17.5	13.2	19.7	7.6
Waliigala	4.7	11.9	10.8	10.8	8.1

Madda: KKMO

1.1.2 **Tiraansifoormeeshinii Diinagdee**

Gama biraatiin ce'umsa caasaa diinagdee (qonnaa irraa gara Induustiriitti) godhamu dhugoomsuuf kaayyoon taa'eera. KGT-I keessa (2003-2007) dameewwan diinagdee sadan keessaa Induustiriin ariitiidhaan sadarkaa ol-aanaan kan guddachaa adeeme yammuu ta'u, guddini damee qonnaa laafaa adeemee jira akka Giraafii 1.1 irratta ibsame mul'isutti. Haa ta'uu malee KGT-II (bara 2008-2012) kana keessa guddini dameewwan diinagdee hundaa laafaa haa dhufu malee walbiratti yammuu ilaalaman Induustirii fi tajaajilli kan qonnaa caalaa ariitiin guddachaa jiru.

Gabatee : Gahee Kutaaleen diinagdee GDP Naannoo keessaa qabu

Qooda	2008	2009	2010	2011	2012
Qonna	51.91	48.92	46.86	44.27	44.14
Industrii	15.53	16.88	8.20	17.98	18.29
Tajaajila	32.56	34.20	34.94	37.75	37.92
	100	100	100	100	100

Giraafii 1.1: Guddina diinagdee Oromiyaa (bara 2003-2012)



Madda: Biiroo Maallaqaa fi Misooma Diinagdee Oromiyaa (Fuulbana 2008

Guddini kun qofaa isaatti ce'umsa caasaa diinagdee guutummaatti hin agarsiisu. Kanaafuu gahee dameewwan kun guddina diinagdee keessatti qaban (Giraafii 1.2) ilaaluu barbaachisa. Akkuma Giraafiicharraa arguun danda'amu barreen KGT-II kana keessa walitti aansuudhaan gaheen induustirii fi kan tajaajilaa dabalaa yammuu adeeman gaheen qonnaa gad-bu'aa adeemuu isaa ilaaluun ni danda'ama. Ija kanaan yammuu ilaallamu, yoo'uma illee tajaajilaa fi Induustirii giddutti waldorgommiin jiraate iyyuu, haala guddina diinagdee laafaa ta'e keessatti ce'umsi caasaa diinagdee itti fufinsa an dhufaa akka jiru akkuma Giraafii armaan gadii agarsiisu irraa hubachuun danamatti.

Giraafii 1.2:Jijjiirama gahee dameewwan dinagdee Oromiyaa (bara 2003-2012)



Madda: Biiroo Maallaqaa fi Misooma Diinagdee Oromiyaa (Fulbana 2008);

Ragaawwan Giraafii lamman kanaa irratti hundaa'uudhaan ce'umsi caasaa diinagdee dhugoomaa jira jechuun ni danda'ama. Haa ta'uu malee ammas diinagdee Oromiyaa keessatti gahee daran ol-aanaa kan qabu qonna yammuu ta'u, isatti aansuudhaan damee tajaajilaati. Gaheen qonni diinagdee keessatti qabu bara ka'umsa KGT-I irratti kan Induustiriin qabu dacha 6.2 ture bara xumura KGT-I gara dacha 3.68 gad-bu'ee ture. Akkuma Giraafii 1.3 irratti mul'atu, adeemsi kun KGT-II kana keessattis ittifufuudhaan xumura bara 2012 gara dacha 2.76 gad-bu'ee jira. Kanaafuu ce'umsi gara Induustiriitti taasifamaa jiru harkifannaa haa qabaatuyyuu malee dhugoomaa kan jiru ta'uu agarsiisa.

Giraafii1.3: Adeemsa hirtaa gahee Induustirii Hirtaa gahee qonnaa gahee industiriif (ratio of the contribution of industry to the GDP to that of agriculture).



Madda: Biiroo Maallaqaa fi Misooma Diinagdee Oromiyaa (Fulbana 2008);

1.1.3 **Hirmaannaa Fayyadamummaa Uummataa**

Kaayyoon sadaffaan uummata abbaa fi fayyadamaa misoomichaa taasisuudha. Galma ga'insa kaayyoo kanaa ija diinagdeetiinii fi ija hawaasummaatiin madaaluun ni danda'ama. Ija diinagdeetiin madaaluuf agarsiiftuun tokko galii nam-tokkee yammuu ta'u isaan hafan immoo hiyyummaa, qaala'insa gatii gabaa fi hojiidhabdummaadha. Galiin nam-tokkee (GDP per capita income) gatii gabaa yerootiin bara 2003 Doolaara Ameerikaa 362 irra ture xiinxala raawwii KGT-II walakkeessaa bara 2010 keessa gara Doolaara 722 kan guddate yammuu ta'u xumura bara 2012 Doolaara 1,003.85 irra gahuu danda'eera. Agarsiiftuu kana qofa fudhannee yoo ilaalle biyyoota galii giddu-galeessaa keessa gallee jirra jechuun ni danda'ama. Haa ta'uu malee agarsiiftuuwwan gara biroo kan isaan agarsiisan waan kanarraa fagaatedha.

Fakkeenyaaf, hiyyummaan Oromiyaa keessaa bara 2008tti %23.9 irra ture xumura bara 2012 gara %21.4 akka gad-bu'u ta'eera. Kun manii taa'e %16 irra gahuuf taa'e keessaa %55.85 qofaadha. Hiyyimmaa hir'isuu keessatti gaheen qooddii fi ittifayyadama baajeta tumsa ol-aanaa akka taphate ilaaluun ni danda'ama. Dameewwan hojii jaha: qonnaa, bishaan, daandii, barnoota, fayyaa fi carraa hojii uumuu fi wabii nyaataatiif yeroo KGT-II kana keessa maallaqa argame keessaa Qr bil 162.17 (%78.3) ramadameera. Haa ta'uu malee ittifayyadamni isaa maallaqa waliigala argame keessaa %66 ta'ee mul'ata.

Gama biraatiin, hojii dhabdummaan magaalotaa 2007 %15.5 irra ture xumura KGT-II irratti %10 gad-buusuuf karoorfamus %19.53 ol-guddatee argameera. Tasgabbii diinadgee ija qaala'iinsa gatiitiin yammuu ilaallamu, qaala'insi gatii waliigala giddugaleessaan waggatti %9.6 ta'us, keessattuu Reettiin qaala'insa nyaataa giddugaleessaan %12.4 ta'uun isaa kan jireenya hammeesse akka ta'e ilaaluun ni danda'ama. Haa ta'uu malee adeemse qaala'insa gatii (Giraafii 1.4) yammuu ilaallu, reettii qaala'insaa gad-bu'aa fi tasgabbaa'aa akka dhufe ragaan nutti agarsiisa.

Giraafii 1.4: Qaala’insa gatii kan KGT-I fi KGT-II walbiratti

Reettii qaala'insa gatii [%]



Madda: Ejensii Istaatistiksii Giddu galeessa (CSA)

1.2.**Xiinxala Raawwii fi Kallattii Imaammata Karoora Damee Diinagdee**

1.2.1.Oomishaa fi Oomishtummaa Qonnaa

1. Misooma Midhaanii

Diinagdee sadarkaa yaadameen guddisuuf maniiwwan gama damee oomisha tiin jiran keessaa tokko Oomishaa fi oomishtummaa damee qonnaa guddisuudha. Karaan damee qonnaa itti guddatu keessaa immoo tokko oomisha miidhaaniiti. Oomisha midhaanii keessaas iddoo guddaa kan qabatu oomisha midhaan gurguddaati. Gama Oomishaa fi oomishtummaa midhaan gurguddaatiin bara 2006/7 oomishni waliigala midhaan gurguddaa (kan Gannaa fi Arfaasaa) kuntaala miiliyoona 140.09 kan argame yammuu ta’u tattaaffii bara KGT-II keessatti taasifamuun bara 2011/12 kuntaala miiliyoona 238.41 argachuuf maniin taa’eera (Giraafii1.5:(A)). Haa ta’uu malee kan argame kuntaala miiliyoona 175.35 yammuu ta’u kun jijjiirama hawwame irra ga’ama jedhamee yaadame keessaa %35.85 qofa akka raawwatame agarsiisa. Haaluma wal-fakkaatuun, bara 2006/7 oomishtummaan midhaan gurguddaa ennaa gannaa hektaaraan kuntaala 23.47 yammuu ta’u kan gannaa fi kan arfaasaa walittii hektaaraan kuntaala 22.17

ture. Hojii KGT-II keessatti hojjetamuun kana dhawaataan guddisuudhaan bara oomisha 2011/12 oomishtummaa gannaa hektaaraan kuntaala 37 akkasumas, kan gannaa fi arfaasaa kuntaala 34.07 irraan gahuuf maniin taa'eera. Haa ta'uu malee raawwiin kun kan gannaa hektaaraan kuntaala **28.34** irra yammuu ga'u kan gannaa fi arfaasaa walitti hektaaraan kuntaala **26.63** irra gahee jira (Giraafii 1.5 (B)). Raawwiin kun manii wajjiin walbiratti yommuu ilaallamu walduraa duubaan %35.71 fi %37.65 qofaadha.

Giraafii 1.5: Oomishaa fi oomishtummaa lafa midhaan gurguddaa (gannaa fi arfaasaa)



Madda: Ejensii Istaatistiksii Giddu-galeessaa (CSA)

Raawwii gama oomisha midhaaniitiin jiru keessatti wanti abdachiisaa ta'e garuu xiyyeeffannaa qonnaan-bulaan oomisha midhaan Induustirii fi al-ergeedhaaf kennedha. Oomishni midhaan Induustirii bara baraan giddugaleessaan %7.12 fi kan al-ergee garuu %7.59 gad-bu'aa dhufeera. Raawwiin kun raawwii bara ka'umsaa wajjiin walbiratti yammuu ilaallamu kan midhaan Induustirii ka'umsarraa %64.4 fi kan midhaan al-ergee %33.3 gad-bu'ee jira. Kanas ta'ee garuu oomishni midhaan Induustirii fi al-ergee oomisha midhaan waliigalaa wajjiin walbiratti yammuu ilaallamu baay'ee xiqqaadha. Maddi ragaa isaa gargar ta'us oomishni midhaan Induustirii fi al-ergee (buna osoo hin dabalatiin) oomisha midhaan waliigalaa keessaa %10.4 yammuu ta'u lafti irratti oomisha mu lafa roobaa fi jallisiin misoome kan waliigalaa keessaa %17 dha. Kanarraa ka'uudhaan walitti hidhaminsi gabaa gidduu qonnaa fi Induustirii biyya keessaa ammas sadarkaa gad-aanaa irra akka jiruu fi qonnis gabaan hoogganamuu akka hin dandeenye ilaaluu barbaachisaadha.

Oomisha qonnaa al-ergee keessatti gahee guddaa kan qabu buna ta'uun isaa beekamaadha. Oomishni buna keenyaa bara oomisha 2011/12 dachaa lamaa ol (%234) akka guddatu maniin ykn karoorri taa'ee ture. Haa ta'uu malee raawwiin isaa kan agarsiisu oomishni bunaa kan bara ka'umsaa irraa bara oomisha 2011/12 keessatti %22.5 qofaa guddachuu danda'eera. Walumaagalatti raawwiin keenya gama qonnaatiin jiru manii wajjiinis ta'e raawwii bara ka'umsaatiin walbira qabamee yammuu ilaallamu gad-aanaadha. Kun maaliif ta'ee?

Akka xiinxalli gaggeeffame agarsiisuutti, oomisha fi oomishtummaan qonna midhaanii guddisuuf gargaaran dhiyeessii fi ittifayyadamni teknoolojii callaa guddistuu dhiibbaa battalaa (immediate impact) qaba. Keessumaa iyyuu, ittifayyadamni xaa'oo, sanyii filatamaa, jallisii fi maashinoota akka tiraaktera qonnaa iddoo ol-aanaa qaba. Ittifayyadamni farra ilbiisotaa fi farra aramaa, akkasumas ittifayyadamni kombaayneraa, bu'ura irraa oomishtummaa guddisuuf osoo hintaane oomisha kunuunsuuf gargaaru. Waliigala ittifayyadama teknoolojii adda addaa bal'ina lafaatiin kan irra gahame Giraafii 1.6 irratti agarsiifameera.

Giraafii 1.6: Ittifayyadama lafaa



Madda : CSA, BQMQUO

Naannoon oromiyaan Lafa dilbii(poteenshaalaa) jalliisiif oolu keessa bara 2011/12 lafti jallisiin misoome %14.7 qofaadha. Kun hojiin gama misooma jallisiitiin hojjetame gahaa akka hintaane agarsiisa. Gama ittifayyadama mekaanaayzeeshiniitiin yammuu ilaallamu, lafa waliigala (roobaa fi jallisiin) misoome keessaa kan tiraakterattiin fayidaa irra oolee %10.2 qofaadha. Lafa paakeejii guutuun misoome (xaa`oo,sanyii filatamaa fi saraaraan kan faca`e) yammuu ilaallu lafa waliigalaa roobaan misoome keessaa %20.7 qofaa dha.

Haala ittifayyadama xaa'oo fi sanyii filatamaa yammuu ilaallu, ittifayyadamni xaa'oo karoora irra %93.3 kan raawwate yoo ta'u, ittifayyadamni sanyii filatamaa baran fooyya'aa adeemus waggoota shanan darban giddugaleessaan %27.5 yoo ta'u kunis, karooraan gadi hojirra oolee jira (Giraafii 1.7). Ittifayyadamni xaa'oo keenya hektaaraan kuntaala 1.30 yammuu ta'u istaandardii irraa %34.9 gad-bu'ee argama.

Kana jechuun, ittifayyadamni xaa'oo istaandardii bira gahuu haa dhiisuu malee dhiyeessiin sanyii filatamaa gar-malee gad-bu'aa ta'uun isaa oomisha guddisuu irratti akkama Giraafii 1.7: keessatti ibsametti hudhaa cimaa ta'ee argameera.

Giraafii 1.7: Ittifayyadama xaa'oo fi sanyii filatamaa



Madda: BQQUO

Haa ta’uu malee, oomisha waliigalaa irratti dhiibbaa kan uume ittifayyadamni callaaa guddistuu gad-aanaa akka ta’u maaltu taasisee? Hanqinni dhiyeessii bu’uraalee misooma jallisii, mekaanaayzeeshinii fi sanyii filatamaa armaan olitti ibsamanii akkuma jiranitti ta’ee, tajaajilli eksiteenshinii qonnaa keenya ammas rakkina guddaa keessaa kan hin baane ta’uusaa ilaaluu barbaachisa. Kunis, tajaajilli eksiteenshinii paakeejii guutuu waggatti giddugaleessaan qonnaan bultoota %42.8 qofaa fi lafti misoome %20.7 qofaa dha. Haala kanaan oomisha guddisuun ni danda’ama jedhamee hin yaadamu.

Tajaajilli eksiteenshinii babal’inaan milkaa’uu kan danda’u hirmaannaa guutuu qonnaan bultootaatiin ta’uun isaa beekamaadha. Qixa kanaan, qonnaan bulaan tajaajila eksiteenshinii hin fayyadamne maaliif akka ta’e ragaan Giraafii 1.8 irratti taa’e ni agarsiisa. Tajaajila eksiteenshinii fayyadamuu keessatti rakkinni tokkoffaarratti qonnaan bulaan kaasu hanqina maallaqaa/liqii ti. Sirni Faaynaansii Baadiyaa qonnaan bulaa fi horsiisee bulaa jajjabeessu diriiree tokko illee hin jiru. Kana waan ta’eefis, galteewwan qonnaa bitachuudhaan hojii isaa bifa oomishtummaa dabaluun hojjechuu hin dandeenye. Kanumaan walcinatti, ammas shakkiin qonna bulaa fi horsiisee bulaan tajaajila eksiteenshinii irratti qabu guddaa ta’uu isaa ragaan kun ni argisiisa. Kana malees, iddoon sagantaan eksiteenshinii hin ga’iin jiraachuusaa, iddoo gahes taanaan hubannoo fi tajaajilli gahaan kan hin jirre ta’uusaa ragaan waggoota afuriif walitti aansee sassaabame kun ni argisiisa.

Walumaagalatti, sirni Faaynaansii Baadiyaa qonnaan bulaa fi horsiisee bulaa hammatuu fi jajjabeessuu kan hin diriirre ta’uu fi haalli kenninsa tajaajila eksiteenshinii dadhabaa ta’uun rakkinoota armaan dura ibsaman walitti dabalamuudhaan Oomishaa fi oomishtummaa qonnaa hanga barbaadame akka hin guddanne taasisanii jiru.

Giraafii 1.8: Yaada qonnaan/ horsiisee bulaan tajaajila eksiteenshiniitti hin gargaaramnee



Madda: Ejensii Istaatistiksii Giddu-galeessaa (CSA)

Walumaagalatti Oomishaafi oomishtummaa midhaanii guddisuuf qonna hammayyeessuun (misooma jallisii fi dhiyeessii Teknoolojii callaaa guddistuu babal'isuu) fi teknoolojiin qonnaa hojiirra ooluu akka danda'u tajaajila liqii fi faaynaansii Baadiyaa fi tajaajila eksiteenshinii qonnaa irratti xiyyeeffannoo addaatiin hojjechuu barbaachisa.

2. Misooma Beeylada

Gama Oomishaa fi oomishtummaa Beelladaatiin, oomisha aannanii yoo ilaalle Giraafii 1.9 bara 2007 sa'oota aannan kennan mil 4.7 irraa aannan liitira bil 1.4 argamee ture. Hojii karoora KGT-II keessa garuu Oomishaa fi oomishtummaa aannanii fooyyessuuf hojjetamuun guddinni bara-baraan akka dabalu yaada keessa galchuudhaan bara 2012 Loon annanii mil 7.4 irraa aannan liitira bil 5.8 argachuuf karoorfamee ture. Haa ta'uu malee lakkoofsi sa'ootaa bara-baraan gad-bu'aa dhufee bara 2012 saawwan elmaman mil 2.5 irraa aannan liitira bil 1.36 argamuun danda`ameera. Kana jechuun lakkoofsi saawwan elmamanii manii ka`umsa KGT-II irra waggatti giddu galeessaan %11.8 fi oomishni aannan waggatti giddu galeessaan %0.58 gad-bu`ee argameera.

Giraafii 1.9: Oomisha aannan loonii



Madda: Ejensii Istaatistiksii Giddu galeessaa

Bara 2007 baay'inni lukkuu Oromiyaa mil 20.1 yammuu ta'u baay'inni lukkuulee killee buusanii sanyii waliigalaan mil. 7.69 (sanyii naannoo 6.27, sanyii makaa 0.89 fi sanyii alaa 0.53) kununsuun oomisha killee waliigalaa mil.70.54 (sanyii naannoo irra mill. 31.64, sanyii makaa irra mill 18.89 fi sanyii alaa irra 20.01) oomishamuun danda`ameera. Oomishaa killee guddisuun kan danda'amu qooda lukkuu killee kan sanyii naannoo omishtuummaan isaanii gadii-aanaa ta'e irraa argamu kanneen oomishituummaa ol'aanaa qaban lukkuu killee sanyii alaa fi makaan bakka buusaa adeemuf karoorfame hojjetama ture jira. Haa ta`u malee, lukkuu sanyii makaa (hybrid) yeroo KGT-II keessatti %36.2 kan guddate yoo ta`u sanyiin lukkuu alaa (exotic breeds)%3.4 gadi bu`ee jira. Oomishtummaa Beelladaa dabaluuf sanyii fooyyessuun ykn dhiyeessiin sanyii fooyya'aa, nyaata fi bishaan ga'aa fi tajaajila fayyaa ga'umsa qabu murteessaadha. Sanyii fooyya'aatti gargaaramuu ilaalchisee bu'aan gaariin kan argame gama oomisha lukkuu killeetiinidha (Giraafii 1.10 A fi B).

Giraafii 1.10: Baay'ina lukkuu killee fi baay'ina killee argamee (sanyii lukkuutiin)



	2007	2008	2009	2010	2011	2012
Lukkuu biyya alaa	0.63	0.91	0.149	0.316	0.552	0.53
Lukkuu diqaalaa	0.19	0.178	0.22	0.355	0.653	0.89
Lukkuu biyya keessaa	7.24	7.2	6.98	6.197	6. 45	6.27

	2007	2008	2009	2010	2011	2012
Lukkuu biyya alaarraa	0.55	0.98	1.67	3.05	9.75	20.01
Lukkuu diqaalaarraa	2.16	2.005	2.6	4.196	12.24	18.89
Lukkuu biyya keessaarraa	41.4	38.4	38.15	32.208	33.39	31.64

Akkuma Giraafii lamman armaan olii irraa argamu baay'ina lukkuulee bara 2007 ture kan 2012 %4.6 gad-bu'ee jira; haa ta'uu malee faallaa kanaa baay'inni killee argamee garuu %60 dabalee jira. Bu'aan kun kan argame baay'inni lukkuun sanyii biyya keessaa %13 kan hir'ate yoo ta'e illee, lakkoofsi lukkuu sanyii alaa fooyya'aa %73 dabaluu isaatiinidha. Sanyii fooyya'aa Beelladaa baay'isuu fi sanyii fooyya'aatti gargaaramuun oomishtummaa akka guddisu horsiisa lukkuu killee irraa muuxannoo fudhachuun barbaachisaadha. Jijjiiramni kun bu'aa dhiyeessii sanyii fooyya'aa tajaajila eksiteenshinii beelladaatiin deeggaramedha. Tajaajila eksiteenshinii beelladaa keessatti bara 2007 hirmaattonni eksiteenshinii horsiisa lukkuu abbaa warraa 32,395 akkasumas hirmaattota eksiteenshinii beelladaa yeroo sanii keessaa %51.3 turan. Lakkoofsi kun bara-baraan dabalaa dhufee bara 2012 hirmaattonni eksiteenshinii horsiisa lukkuu 193,650 akkasumas baay'ina hirmaattota eksiteenshinii beelladaa keessaa %80.3 irra gahanii jiru.

Gama biraatiin oomisha foonii dabaluuf maniin taa'e horii foonii bara ka'umsaa mil 4.27 kan ture bara 2012 %255 ol-guddisuudhaan mil 15.13 irra gahuuf ture. Kanaanis oomisha foonii bara ka'umsaa kg kuma 242 ture bara 2012 ka'umsaarraa %211 dabaluudhaan kg kuma 754 irraan gahuuf maniin taa'eera. Haaluma kanaan hojii hojjetameen raawwiin horii foonii waliigala (loon, hoolaa, gaalaa fi re'ee) mil 14.59 ta'u irraa oomisha foonii toonii mil. 0.643 ta'u argachuun danda'amee jira .

Gama oomisha dammaatiin lakkoofsa gaagura hammayyaa fi Ce'umsaa bara 2007 ture kuma 777 yoo ta'u bara 2012 keessaa gara %125 guddisuun gara gaagura mil 1.744 gahuuf karoorfamee ture. Kana gochuudhaanis oomisha dammaa waliigala bara 2007 kg mil 19.063 ture dhawaataan guddisaa bara 2012 kg mil 58.795 irraan gahuudhaaf (kan bara ka'umsaarraa %200 fooyyessuuf) maniin taa'ee ture. Haa ta'uu malee, oomishni dammaa waliigalatti bara ka'umsaa irraa % 49.3 qofaan dabaluun kg mil 28.42 irra ga'uu danda'eera. Kunis raawwiin gama oomisha dammaatiin jiru %23.6 qofa akka ta'e agarsiisa. Kuni kan ta'eef ittifayyadamni gaagura hammayyaa fi ce'umsaa kan yaadamerraa gad-bu'uu isaatiin akka ta'e ragaan ni agarsiisa. Kunis, raawwiin gama gaagura hammayyaa fi ce'umsaatiin jiru kan bara ka'umsaa irraa %87 kan gad-bu'ee fi gaagurri aadaa kan bara ka'umsaa irraa % 27 kan ol-ka'e waan ta'eefidha (Giraafii 1.11).

Raawwii kana ija hirmaannaa eksiteenshinii beelladaatiin yammuu ilaallu, bara 2007 dammarrattii abbaa warraa 1,712 kan hirmaatan yammuu ta'u, hirmaannaa kana bara-baraan guddisaa 2012 lakkoofsa kana gara 63,800 irraan gahuuf maniin taa'ee ture. Haa ta'uu malee hirmaannaan kun kan bara ka'umsaarraa %18 gad-bu'ee argama. Kana jechuun, hirmaattota eksiteenshinii dammaa duraan turan tajaajila kana keessaa kan hir'atan jiru waan ta'eef ittifayyadamni gaagura ce'umsaa fi kan hammayyaa gad-bu'aa ta'ee argama.

Giraafii 1.11: Dammaa fi gaaguraa



Maddaa: Ejensii Istaatistiksii Giddu galeessaa (CSA)

Akka qorannoowwan adda addaa argisiisan, qonnaan/ horsiisee bulaan gaagura hammayyaa fi ce'umsaa ittifayyadamuuf wantonni rakkoo ta'an afur adda bahee beekamee jira. Isaanis: a) dandeettii teeknikaa haala ittiin gaagura kanatti gargaaramanii gahaa ta'uu dhabuudhaan osoo hoomaan kanniisaa itti hin galiin yeroon isaa jalaa darba ykn immoo kan itti galee illee goondaan itti namme'ee balleessa; b) meeshaleen gaagura hammayyaa duukaa dhiyaachuu qaban kan hin jirre ta'uu; c) gatiin gaagura hammayyaa fi ce'umsaa humna bittaa qonnaan/ horsiisee bulaatiin walgituu dhabuu fi; d) gaagurri hammayyaa dhaaba gagaa (wax) akka bu'aa dabalataatti kan hin kennine ta'uu dha.

3. Xumura Xiinxala Oomishaa fi Oomishtummaa Qonnaa

Akkuma armaan olitti ilaalaa dhufne, oomisha fi oomishtummaan qonnaa (midhaan fi beelladaa) manii taa'ee fi kan bara ka'umsaa (baseline) wajjiin walbiratti yammuu ilaallamu baay'ee gad-aanaadha. Kanaafis, sababiin ijoon ittifayyadamni teknoolojii fi mala oomisha fooyya'aa keenya dadhabaa ta'uu isaati. Gama tokkoon dhiyeessiin bu'uraalee misoomaa fi teknoolojii (kan akka jallisii, tiraakteraa fi paampii), sanyii filatamaa (midhaanii fi nyaata beelladaa), sanyii beelladaa fooyya'aa, akkasumas sirni faaynaansii hammataa ta'e jiraachuu dhabuun isaa akka rakkinaatii kan fudhatamudha. Gama biraatiin tajaajilli eksiteenshinii keenya qonnaan bulaa fi horsiisee bulaa keessatti qophaa'umsaa ittifayyadama galteewwanii fi maloota fooyya'oo uumuu keessatti dadhabbina guddaa agarsiiseera. Kanaafuu, karoora yeroo itti aanuu keessatti dhiyeessii fooyyessuu fi sirna tajaajila faaynaansii fi tajaajila eksiteenshinii fooyyessuu irratti xiyyeeffachuun murteessaa ta'a.

Kana malees, qonni keenya gabaadhaan qajeelfamuu keessatti hanqina guddaa qaba. Oomishni induustiriif oolu fooyya'insa argisiisuu bira darbee amala qonna keenyaa jijjiiruu danda'urra hin geenye. Kanaafis sababiin ol-aanaan walittihidhaminsi damee qonnaa fi induustirii keenya sirnaan qajeelfamuu dadhabuu isaati. Kana waan ta'eef, karoora yeroo itti aanuu keessatti qonna gabaan qajeelfamu, keessattuu qonna induustirii wajjiin walitti hidhata qabu uumuudhaaf hojjetamuu qaba. Kanaafuu, kallattiin armaan gadii dhiyaatee jira.

4. Kallattii Imaammata Misooma Qonnaa

Oomishaafi oomishtummaa qonnaa guddisuuf waa hunda dura qonna hammayyeesuu barbaachisa. Qonna hammayyeessuun haala qabatama amma jiruun callaaa guddistuu fi tajaajila eksiteenshinii bifa bittinnaa'een dhiyeessuudhaan milkaa'uun hin danda'u. Qonna hammayyeessuun gama

tokkoon bu'a-qabeessummaa hojichaa; gama biraatiin ammo gurmaa'insa cimaa uumuu gaafata. Qonni bu'a-qabeessa kan ta'u gabaa amansiisaa (reliable market) yoo argatedha. Gabaan amansiisaan kan uumamu walittihidhaminsi qonnaa fi induustirii akkasumas, qonnaa fi al-ergee gidduutti yoo cimaa ta'edha.

Dinagdee walittihidhama cimaa qabuu fi raafama adda addaa dandamachuu danda'u ijaaruuf, walittihidhaminsi damee qonnaa, induustirii fi tajajilaa gidduu jiru cimuu qaba. Damee tajaajilaa keessaa hojiiwwan oomishtummaa qonnaa guddisuu irratti bobba'an (dhaabbilee qorannoo, dhiyeessitoota teknoolojii fi callaaa guddistuu, dhaabbilee tajaajila fe'umsaa fi kkf...) jajjabeessun oomishtummaa qonnaatiif tumsa ol-aanaa ta'a. Karaa gara biraatiin, qonni keenya nyaata bira darbee oomisha gabaa alaatti ergamu dhiyeessuuf carraaqqii bara dheeraa gochaa tureera; yeroo kana keessattis kan ta'e kanuma. Haa ta'uu malee, qonni keenya sababa callaaa gatii gad- aanaa (low priced commodities) irratti Oomishaa fi oomishtummaan qonnaa kan guddatu qonna hammayyeessuudhaani. Qonna hammayyeessuuf walittihidhaminsa qonnaa fi dameewwan diinagdee biroo cimsuudhaan calla qonnaatiif gabaa amansiisaa (reliable market) uumuu barbaachisa. xiyyeeffateef jecha baasii ofii danda'uuf gara rakkachuutti adeemuu danda'a. Galteewwan qonnaa fi Teknoolojiiwwan oomishtummaa fooyyessan biyya alaa irraa galan gatiin isaanii yeroodhaa gara yerootti dabalaa adeemaa jira.

Qonni keenya haala kana dandamachuu kan danda'u yoo waan galtee Induustirii biyya keessaatiif ta'u oomishedha. Induustiriin biyya keessaas, callaaa xumuraa sadarkaa fayyadamaatti gurguramu (consumer products) yoo biyya alaatti erge galii ol-aanaa biyyaaf argamsiisuudhaan qonna keenya hanqina galtee fi Teknoolojii fooyya'aarraa fi gatii isaanii akka dandamatu gochuun ni danda'ama. Induustirii fi qonni carraadhaan ykn tasa akka walittihidhaman eeguun sirrii miti. Kanaaf hojmaata qopheessuudhaan hojitti hiikuu gaafata. Hanga ammaatti hojiin gama kanaan hojjetame baay'ee dadhabaadha.

Qonnaa fi sektera dinagdee gara biraa walittihidhaminsa cimaa akka uuman taasisuuf qonna "specialize' gochuun ni barbaachisa. Haala amma jiruun qonnaan

bulaa fi horsiisee bulaan bifa bittinnaa'een hojjetu "specialization" qonnqq dhugoomsuus ta'e induustirii wajjiin walittihidhaminsa uumee hojjechuu hin danda'u. Kanaafuu qonnaan bulaa fi horsiisee bulaa gurmeessuun hojii cimaa hojjechuun dubbii ijoo ta'ee mul'ata.

Waldaaleen hojii gamtaa maqaa qonnaan bulaa fi horsiisee bulaatiin gurmaa'anii hanga tokko dhiyeessii callaaa guddistuu fi oomisha gabaatti baasuudhaan miseensota isaanii deeggaruuf tattaaffiin godhan waan tuffatamu miti. Waldaalee fi yuuniyeeniiwwan hojii gamtaa muraasni cimanii hanga abbaa warshaa ta'uu irra ga'anus, faayidaan isaan miseensota isaaniitiif buusan harka caalu xaa'oo raabsuu bira kandarbe miti. Kanarraa kan ka'e, gahee qonnaan bulaa fi horsiisee bulaa bakka bu'anii faayidaa isaatiif hojjechuu qixaan bahachaa akka hin jirre amantaa guutuun fudhachuu barbaachisaadha. Waldaaleen hojii gamtaa fi yuuniyeeniiwwan qonnaan bultootaa fi horsiisee bultootaaf tajaajila eksiteenshinii fi tajaajila faaynaansii diyeessuutu irra ture. Kana malees, waldootaa fi yuuniyeeniiwwan kun sanyii filatamaa baay'isuu fi raabsuu, sanyii beelladaa fooyyessuu fi sanyii fooyya'aa baay'isuu, inveestimentii "agro-processing" keessatti fi al-ergee keessatti qooda fudhachuudhaan qonnaan bulaa fi horsiisee bulaan gatii dafqa isaanii argatanii jiruu fi jireenya isaanii akka fooyya'u gochuu hin dandeenye. Kanaafuu, qonnaan bulaa fi horsiisee bulaan bittinnaa'uu isaatiin hojii qonnaa keessatti jijjiiramni quubsaan galmaa'uu hin dandeenye. Abbaa qabeenyaa isa dhugaa bal'inaan horachuun qonnaan bulaa fi horsiisee bulaa keenyarraa jalqabuu nu gaafata. Kanaafuu, tarkaanfii jalqabaa ta'uun kan irraa jiraatu, qonnaan bulaa fi horsiisee bulaa dhawaataan waldaa aksiyoonaatiin akka ijaaramee gara hammayyummaatti ce'uu haala mijeessuu fi jajjabeessuudha.

Kanaafis tarsiimoon ifa ta'e qophaa'ee bifa qonnaan bulaa fi horsiisee bulaan itti amanee fudachuudhaan gara sirna abbaa qabeenyummaatti ce'u cimsanii hojjechuu gaafata. Qonnaan bulaa fi horsiisee bulaa waldaa aksiyoonaatiin

ijaaruun qonna hammayyeessuudhaan Oomishaa fi oomishtummaa guddisuu haal-duree hundaa ta'uu kan qabudha.

Tajaajila Faaynaansii Baadiyaa gama baankotaatiin mijeessuuf; sanyii/ filatamaa babal'isanii ittigargaaramuuf; Teknoolojii hammayyaa fi mala saayinsaawaatti gargaaramuuf; qabiyyee fi qabeenya walittifidanii callaaa guddisuuf; qul-qullinaan oomisha nii gabaa keessatti dhiibbaa uumuuf; gabaa beekamaa, murtaa'aa fi ittifufinsa qabu giddu galeessa godhatanii oomishuuf; akkasumas ofiifis gara abba induustiriitti ce'uuf dhimma murteessaa sirna abbaa qabeenyummaa ijaaruuf hojjetamuu qabudha. Abbaa qabeenyaa isa dhugaa bal'inaan horachuun qonnaan bulaa fi horsiisee bulaa keenyarraa jalqabuu nu irraa eegama.

Qonnaan bulaa fi horsiisee bulaan gurmaa'insa cimaa akka kanaa yoo qabaate oomisha amansiisaa (reliable production) oomishuu waan danda'uuf gabaa murtaa'aa (predetermined market) dhaaf oomishuu danda'a. Fakkenyaaf oomisha gosa tokko hanga murtaa'e gatii beekamaadhaan warshaa tokkoof oomishuudhaan waliigaltee gochuun ta'uu danda'a. Kana jechuun, qonnaan bulaa fi horsiisee bulaan waan oomishu, hangam akka oomishuu, akkasumas eenyutti meeqaan akka gurguratu waan beekuuf gabaa amansiisaa (reliable market) akka jiraatu dhiibbaa (influence) uumuu danda'a. Hojiin qonnaa haala tasgabbaa'aa (steady) fi amansiisaa (reliable) akka kanaa keessatti gaggeeffamu ammo dhaabbilee Faaynaansii fi dhiyeessitoota Teknoolojii callaa guddistuu hawachuu ni danda'a. Kana malees qonnaan bulaa fi horsiisee bulaan bifa kanaan gurmaa'an ogeessota qaxarachuun hojjechuu waan danda'aniif gama tajaajila eksiteenshinii, walittihidhaminsa gabaa fi tajaajiloota kana fakkaataniin of-danda'oo ta'u. Teknoolojii fi hojmaata haaraa yaaluudhaaf dandeettii ni qabaatu. Carraadhaan hoogganamuu keessaa bahanii beekumsaa fi haala gabaatiin hoogganamuudhaan jijjiirama itti fufinsa qabu dhugoomsuu ni danda'u. Walittihidhaminsa akka kanaa

Moodela Badhaadhina Qonnaa fi Horsiisee Bulaa (MBQHB) jechuun moggaasuun ni danda'ama (chaartii 1.1).

Chaartii 1.1: Moodela Badhaadhina Qonnaa fi Horsiisee Bulaa (MoBaQoHoBu)



Qonnaan bulaa fi horsiisee bulaan hundi battala tokko yaada kana fudhatee yeroo gabaabaa keessatti waldaa aksiyoonaa ni hundeeffata jedhamee hin yaadamu.

Kanaafuu, hojmaata amma jiru kanas bifa qabuun hoogganuun kanumaan walcinaa cimee hojjetamuu qaba. Kana jechuun, waldaalee hojii gamtaaf xiyyeeffannaa ol-aanaa kennuudhaan akka tajaajila fooyya'aa kennan dandeessisuubarbaachisa. Qul-qullina keessoo waldoolee fi yuuniyeeniiwwan amma jiranii mirkaneeffachuun gama kanaan hojii xiyyeeffannoo isa jalqabaa yammuu ta'u, waldoolee fi yuuniyeeniiwwan kana humna Faaynaansii isaanii cimsuudhaan bifa qonnaan bulaa fi horsiisee bulaa bira ga'uu danda'aniin qajeelchuu barbaachisa. Kana malees, waldoolee fi yuuniyeeniiwwan kana keessaa kannen cimanii ba'uu danda'an filachuudhaan haala ittiin gara kenna

tajaajila eksiteenshinii galan mijeessuu barbaachisa. Haa ta'uu malee, waldoolee fi yuuniyeeniiwwan tajaajila eksiteenshinii akka kennuu danda'an sirni kenna tajaajila eksiteenshinii fooyya'uu qaba. Sirni kenna tajaajila eksiteenshinii karaa waldaalee hojii gamtaa fi abbootii qabeenya dhuunfaatiin akka kennamuu danda'utti yoo fooyya'e malees haala hanga ammaa Mootummaa qofaan kennamu kanatti qonna ceesisuun hin danda'amu. Mootummaan hanga danda'ametti hojii oppereeshinii keessaa ba'uudhaan sirna diriirsuu, Teknoolojii maddisiisuu fi fooyyessuu, akkasumas dhibee ittisuu fi too'achuu qofatti daangeffamuu qaba.

Inni **afraffaan** dhiyeessii sanyii filatamaa/fooyya'aati. Gama sanyii filatamaa midhaan gosa adda addaatiin hojiin hojjetamaa ture quubsaa akka hin taane sanyii filatamaa hojiirra oolee ilaaluun ni danda'ama. Sanyii midhaaniis ta'e kan nyaata beelladaa fooyyessuun hojii qorannoorratti hundaa'e ta'uun isaa beekamaadha. Haa ta'uu malee lafti itti rakkachaa jirru qorannoorratti osoo hin taane sanyii baay'isuu irrattidha. Sanyiin filatamaan midhaaniis ta'e kan nyaata beelladaa gama waldaalee hojii gamtaatiin, qonnaan bultoota dhuunfaatiin fi abbootii qabeenya dhuunfaatiin bal'inaan akka hojjetamu sirni dandeessisu yoo diriire malee hojiin dhaabbata Sanyii filatamaatiin hojiin hojjetamu gahaa ta'uu hindanda'u. Kanaaf rakkinoota yaaliiwwaan kana duraa keessatti qunnaman qorachuudhaan sirreeffama taasisuun dhimma irra kutuun hin danda'amnedha. Qonnaan bulaan bifa Sirni kenna tajaajila eksiteenshinii karaa waldaalee hojii gamtaa fi abbootii qabeenya dhuunfaatiin akka kennamuu danda'utti yoo fooyya'e malees haala hanga ammaa Mootummaa qofaan kennamu kanatti qonna ceesisuun hin danda'amu .

waldaa daldalaa/ aksiyoonaatiin yoo gurmaa'e jalqabarratti qormaanni qunnamuu danda'u dhiyeessii sanyii filatamaa haa ta'u iyyuu malee yeroo gabaabaa keessatti rakkina kana furuudhaafis innumtuu fala ta'a jedhamee amanama.

Karaa gara biraatiin hojiin sanyii beelladaa fooyyessuu irratti hojjetame (kan lukkuu osoo hin dabalatiin) ammas sadarkaa gad-aanaa irratti argama. Malli horii harka namaan diqaalomsuu (Artificial insemination) waggoota dheeraaf hojjetamaa ture ammas dhiibbaa (influence) kana jedhamu Oomishaa fi oomishtummaa irratti hin argisiifne. Sanyii hoolaa fi re'ee fooyyessuurratti hojiin hojjetama hin jiru. Lafa qonnaa midhaanii babal'ataa adeemuu faana lafti dheedumsaa dhiphachaa adeema waan ta'eef horii lakkoofsaan baay'ee ta'e yeroo dheeraaf qabaachuun hin danda'amu. Sanyii beelladaa fooyya'aa fi nyaata beelladaa fooyya'aa irratti xiyyeeffachuun Oomishaa fi oomishtummaa ittifufinsa qabuuf murteessaadha. Kanaafuu, tajaajila AI harkifataa fi bu'a-qabeessuummaa gad-aanaa qabu kana fooyyessuu fi fooyya'insa sanyii hoolaa fi re'ee irratti hojii bal'aa hojjechuun xiyyeeffannaa yeroo itti aanuu ta'uu qaba. Kuni yammuu ta'u garuu, fooyya'insi sanyii nyaata beelladaas duukaa hojjetamuu barbaachisa.

Inni **shanaffaan**, jallisii fi ittifayyadama bishaanii ilaallata. Lafa jallisiif mijataa ta'e qabdu keessaa Oromiyaan hanga ammaa %36 qofaa misoomsitee jirti. Kana bal'isuun dhimma murteessaa ta'uun isaa akkuma jirutti ta'ee walumaagala waa'een ittifayyadama bishaaniis kana duukaa ilaallamuu qaba. Bishaan jallisii bo'oo (open cannal) keessa yaa'ee ooyruu keessa gadilakkifama. Kuni gama tokkoon bishaan karaa lammaan akka qisaasamu taasisa; hurkaa'uudhaan fi lafa keessa lixuudhaan.

Kanarraa kan ka'e hidha jallisii tokkoon lafa misoomuu danda'u hunda humna guutuudhaan osoo hin misoomiin akka hafu ni taasisa. Karaa biraatiin, bishaan lafa keessa lixu biyyoo dhiquudhaan soogiddummaa biyyoo hordofsiisa. Kunis oomishtummaa hegeree irratti rakkina waan uumuuf ittifufinsa jallisii rakkina keessa kan galchudha. Kanaafuu, jallisiiwwan keenya teknooloojii bishaan qusataniin akka fooyya'an taasisuun jallisii haaraa ijaaruu caalaa dhimma xiyyeeffannoo barbaadudha.

1.2.2.Babal'insa Bu'uraalee Misooma Baadiyaa

Oomishaa fi oomishtummaa guddisuu keessatti gaheen bu'uraalee misoomaa (bishaan, Inerjii ykn anniisaa fi daandii) iddoo ol-aanaa akka qabu ni beekama. Qonnaan/ horsiisee bulaan bishaan qul-qulluu ittidheyeenyaan argachuun isaa fayyummaa isaa qofaaf osoo hin taane yeroo fi humna isaa qixa sirriin akka ittifayyadamu taasisa. Daandiin gannaa fi bonaa babal'achuun isaa qonnaan/ horsiisee bulaan odeeffannoo gabaa akka argatu, galteewwan qonnaa galfachuu akka danda'uu fi oomisha isaa gara gabaatti akka baasuu isa dandeechisa. Hojiin Inerjii fi elektirikii irratti hojjetamus akkuma kana mancaatii bosonaa hir'isuun qonnaa fi horsiisa beelladaatiif haala mijataa kan uumuu yammuu ta'u fayyummaa qonnaan/horsiisee bultootaa eeguurratti gahee guddaa qaba. Haaluma kanaan hojiiwwan gama kanaan hojjetamaa turanii fi xiinxalli raawwii isaanii akka armaan gadiitti dhiyaatee jira.

1. Uwwisa Bishaan Dhugaatii

Uwwisni bishaan dhugaatii[1] xumura bara 2007 tti %50.9 (Baadiyaan %52.6 fi magaalaan %40.4) irra ture bara xumura 2012tti %78.9 (Baadiyaa %79.1, magaalaa %77.5) irraan gahuuf maniin taa'ee ture. Hojiiwwan bara 2008-2012 keessatti hojjetamaniin raawwiin uwwisa bishaan dhugaatii %71.75(Baadiyaan %72.56, magaalaan %67.06) irra gahuu danda'eera. Galma ga'insi manii kanaas (raawwiin fi karoora kan bara ka'umsaa irraa ka'uudhaan yammuu madaalamu) %83.2 (kan Baadiyaa %85.7 fi kan magaalaa %72.2) ta'ee argameera.

Uwwisa bishaan dugaatii dabaluuf ijaarsi Pirojeektotaa bishaan dhugaatii adda addaa fi suphaan iskiimota bishaanii walcina gaggeeffamaa turee jira. Pirojeektota bishaan Baadiyaa raawwiin isaanii %57.5 kan hin caalle yommuu ta'e, gama suphaatiin hojii bal'inaan hojjetamaa tureen iskiimota tajaajila hin kennine bara 2007 %15 irra turan bara 2012 gara %5 gad-buusuuf karoorfame gara %6.52 gad-buusuun danda'amee jira. Jijjiiramni sochii kanaan argame ka'umsaa fi manii irraa ka'amee yammuu madaalamu %84.8 ta'ee mul'ata.

[1] *Istaandaardii uwwisa bishaan dhigaatii: Baadiyaatti nam-tokko guyyatti liitira 25 fageenya (radius) km 1 keessatti argachuu yammuu ta'u, magaalaatti nam-tokkoo guyyatti liitira 30 (magaalaa xixiqqoo) hanga liitira (100) fageenya (radius) km 0.25 keessatti argachuu qaba.*

Iskiimota bishaan dhugaatii Baadiyaa hanga bara 2012 naannoo Oromiyaa keessa jiran keessaa %32 kan ta'an bara 2008-2012 ijaaramanii kan dabalaman yammuu ta'u, suphaa iskiimotaa bal'inaan hojjetameen waldeeggaruudhaan uwwisa bishaan dhugaatii Baadiyaa %52.6 irraa gara %75.3 (garaagarummaa %22.7) fiduun danda'ameera. Karaa gara biraatiin iskiimota bishaan dhugaatii magaalaa hanag bara 2012 jiran keessaa %62.1 bara 2008-2012 haaraa kan dabalaman yammuu ta'u, sochii kanaanis uwwisni bishaan dhugaatii magaalaa garaagarummaa %27.1 dabaluu danda'eera.[2]

Giraafii 1.12: Ijaarsa iskiimota bishaan dhugaatii Baadiyaa (bara 2008-2012)



2. Misooma Inerjii fi Waliingahinsa Humna Ibsaa

Gama Inerjiitiin Baadiyaa keessatti hojiiwwan gurguddoo lamatu hojjetama. Inni tokko"bioenergy" maddisiisuu fi qoraan qussannaan fayyadmuu sadarkaa maatiitti gaggeeffamu yammuu ta'u, inni lammaffaan humna elektirikaa ("solar" ykn "hydropower")waliingahuudha. Gama ijaarsa madda anniisaa "biogas" tiin baay'ina madda "biogas" hanga 2007 3,448 ture hojii bara 2008-2012 hojjetamu

qofaan madda 4,800 ijaaruuf karoorfamee yeroo kana keessatti madda 3,067(%64) ijaaruudhaan abba warraa 15,335 dabalataan fayyadamaa gochuun danda'ameera.

Ijaarsa teknoolojii baayoo gaazii 9,090 geggeessuuf karoorfamee 3,067 raawwatameera kunis (%34). Baadiyaan keenya ammas humna anniisaa qoraanii fi kobootatti waan gargaaramuuf isa kana qusannaadhaa fi bifa qul-qullina qabuun akka ittigargaaramu geemoo qoraan qusatan mil 4.2 ta'an raabsuudhaaf karoorfamee geemoowwan mil 3.5 (%84.2) raabsuun danda'amee jira.

Yeroo KGT-II kana keessatti soolaarii 662,935 raabsuuf karoorfamee 32,9240 (%50) raabsameera. Hojii humna elektirikaa sagantaa (OUEAP) waliin gahuuf hojii hojjetameen waliingahinsa humna elektirikaa ol-guddisuuf mandaroota 3,926 akka humna elektirikaa argatan karoorfamee mandaroonni 667(%17) humna ibsaa argataniin uummanni 2,668,000 ta'u fayyadamaa ta'ee jira.

Walumaagalatti tattaaffiin Baadiyaa keessatti anniisaan akka qusatamuu fi jireenyi ittifayyadama madda anniisaa wajjiin walqabate akka fooyya'u hojjetame raawwiin isaa karooraa gadi ta'us kan waliingahinsa humna ibsaa irraa fooyya'insa qaba.

Giraafii 1.13: Uwwisa elektiriikii Baadiyaa sagantaa OUEAP



Madda: Biiroo Bishaanii fi Ijerjii Oromiyaa

3. Misooma Daandii

Ijaarsa daandii ka'umsa KGT-II km. 43,313 (SWGDB km. 27,797, cirrachii km. 11,283 fi asfaaltii km. 4,233) ture xumura KGT-II daandiiwwan haaraa km 33,674 dabalataan ijaaruudhaan qabeenya daandii Oromiyaa gara km 76,986 guddisuun, gobbina daandii (road density) bal'inaa lafaatiin dhuma KGT-I km 119.27/1000km^2 irra ture gara km 212/1000km^2 tti fi baay'ina ummataatiin km 1.28/nama 1000 irra ture gara km 1.97/nama 1000 tti guddisuuf karoorfamee KGT-II kan keessatti daandiin km 12,502 kan ijaaramee tajaajila kennaa jiru yeroo ta'u qabeenyi daandii Naannoo keenyaa dhuma KGT-II km 55,815.22 irra ga'uun uwwisa daandii bal'ina lafaatiin giddu galeessan waggaatti %5.18 fi baay'ina uummataan waggatti giddu galeessan %2.38 guddachuun gobbini daandii Naannoo keenyaa dhuma KGT-II bal'ina lafaatiin km 153.60/1000 km^2 fi baay'ina uummataan km 1.44 /naman 1000 irraan gahuun danda'ameera.

Waggottan KGT-II keessaatti riqaalee bulan 177 fi riqaalee haaraa 816 waliigala riqaalee 993 ijaaruuf karoorfamee dhuma KGT II riqaaleen bulan 175 (%98.87) fi haaraa 68 (%8.33) waliigalatti riqaaleen 243 kan raawwatame yoomuu ta'u akka waliigalaatti %24.47 irra gahee jira. Gama hojii suphaa daandiin KGT-II hojii suphaa daandiiwwanii ka'umsa KGT-II daandii km 159,770 (suphaa cimaa km 48,607 fi salphaa km 111,162) gaggeessuuf karoorfame keessaa dhuma KGT-II daandiin km 21,360.29 (suphaa cimaa km 6,151.08 fi suphaa salphaan km 15,209.4) suphuun akka waligalaatti %13.37 gaggeeffamee jira.

Giraafii 1.14: Raawwii ijaarsa daandii bara-baraan



Walumaagala raawwii babal'ina bu'uraalee misoomaa Baadiyaa gad-aanaa akka ta'e gabaasota armaan-olii irraa ilaaluun ni danda'ama. Kanaafis rakkinni sharafa biyya alaa wajjiin walqabatee hammataa ta'ee jiru akkuma jirutti ta'ee, gama qaamota ijaarsa raawwatanii fi raawwachiisaniin garuu dadhabbinni humna raawwii (execution capacity) akka jiru hubatamee jira.

Qaamolee mootummaa fi dhaabbilee dhuunfaa gama hooggansa pirojeektiitiin, dandeettii teeknikaa fi bulchiinsa Kontiraataatiin rakkina bal'aa qabu. Fakkeenyf, pirojeektonni sirreeffama dizaaynii fi kanaan walqabatee jijjiirama (variation) hojii uumamuun yeroo dheeraaf ni dhaabbata.

1.2.3. Misooma Induustirii fi Ce'umsa Caasaa Diinagdee

Akkuma xiinxala guddina diinagdee keessatti ilaalame, milkaa'inni KGT-II inni duraa ce'umsa caasaa dinagdeeti. Kana jechuunis gaheen Induustirii guddina diinagdee waliigalaa keessatti qabu bifa walittifufinsa qabuun dabalaa adeemee jira. Dhugaan kun akkuma jirutti ta'ee garuu, hiyyummaan hanga barbaadame hir'achuu dhabuu fi hojiidhabummaan magaalaa keessaa dabaluun kufaatii gama diinagdee Goorootiin keessumessiitee kan jirtudha. Kana waan ta'eef, sochii gama ce'umsa dinagdeetiin taasifamaa ture ilaalchisee milkaa'ina sochii gama misooma interpiraayzoota maayikiroo fi xixiqqaa(IMX) fi Inveestimentii dhuunfaa ilaaluun barbaachisaadha.

Galmi misooma Induustirii fi ce'umsa caasaa KGT-II Induustirii maniifaakcheringii Oomishaa fi oomishtummaa isaatiin,gahee al-ergee keessatti qabuun, ce'umsa Teknoolojii fi carraa hojii uumuudhaan gahee adda durummaa isaa akka taphatu taasisuudha. Kana gochuudhaanis bara 2012 gaheen Induustiriin guddina dinagdee waliigalaa keessatti qabu gara %18.3 akka guddatu, gaheen Induustirii maniifaakcheringii (IMX dabalatee) gara %8.3 akka guddatu gochuu, fi hojiidhabbummaa Baadiyaa %1.5 irra tursuu fi kan maagaalaa gara %10 gad-buusuuf maniin taa'eera. Kanaafis carraan hojii namoota mil 7.1 karaa misooma IMX fi Inveestimentii dhuunfaa (haaraa fi buleeyyii) tiin akka uumamu maniin taa'eera. Kana keessaa carraa hojii mil 6.8 IMX fi 314,095 Inveestimentii dhuunfaatiin uumama jedhamee kan karoorfamee yoo ta'u, garu raawwiin carraa hojii dhaabbii fi yeroo namoota mil. 6.1 KGT- II keessatti akka uumamu ta'ee jira.

1. Misooma IMX

Raawwii gama IMX tiin jiru yammuu ilaallu, yeroo kana keessatti interpiraayziiwwan haaraa 350,859 hundaa'anii hojiitti kan bobba'an yammuu ta'an kana keessaa kanneen magaalaatti maniifaakcheringii irratti bobba'an %17 yoo ta'u baadiyaatti immoo %4.7 qofaadha. Kun manii gahee maniifaakcheringiin ni qabaata jedhamee yaadame akka durraaf boodaatti %30 fi %10 ture wajjiin walbiratti yammuu ilaallamu baay'ee gad-aanaadha. IMX carraa hojii waliigala mil 6.8 uumuuf karoorfamee carraa hojii nama mil 6.1 (%89.7) kan uuman yammuu ta'u kana keessaa %53 Baadiyaatti fi %47 magaalaatti kan uumamedha.

Giraafii 1.15: Carraa hojii IMX uumame



Misooma IMX keessatti deeggersi garagaaraa gama Mootummaatiin kennamaa tureera. Yeroo KGT-II kana keessa sochooftota IMX nama mil 2.35 ta'aniif lafa oomisha fi daldalaa heektaara 193,208 kennuuf karoorfamee sochooftota mil 1.26 (%53.7) ta'aniif lafti heektaarri 169,083 (%87.5) kennameera. Kennaan lafaa kun Baadiyaatti nama tokkoof giddugaleessaan lafa karee fi magaalaatti karee 0.91 kan kenname yammuu ta'u waliigala giddugaleessaan nama tokkoof lafa karee 13.4 kennameera.

Kana malees sheediiwwan 15,000 fi kilastaroota 750 yeroo karooraa kana keessatti xumuramanii IMXwwan harka ga'u jedhamanii karoorfaman keessaa sheediiwwan 8,075 (%53.8) fi kilaastarooti 87 (%12) xumuramanii jiru. Haa ta'uu malee sheediiwwan fi kilastarooti kun rakkina humna ibsaa, bishaan fi mana fincaanii kan qaban yammuu ta'u sheediiwwan tokko-tokko sababa rakkina filannaa iddootiin hanga barbaadame tajaajila oomisha fi daldalaa kennuu akka hindandeenye qorannaan Komishinii Karooraa fi Misooma Diinagdee Oromiyaatiin gaggeeffame ni agarsiisa.

Giraafii 1.16: Lafa IMX qophaa'ee fi kenname (daballii bara-baraa)



Madda: Ejensii IMX fi Biiroo Bulchiinsa Lafa

Gama tajaajila liqiitiin KGT I keessa sochooftota IMX 387,917 ta'aniif liqiin Qr bil 2.57 kan dhiyaate yammuu ta'u yeroo KGT-II kana keessatti tajaajila kana dacha 3-4 guddisuudhaan sochooftota IMX mil 2.16 ta'aniif liqii Qr bil 10 kennuuf maniin taa'ee ture. Yeroo kana keessatti sochooftota 328,264 (%15.2) ta'aniif Qr bil 5.64 (%56.4) liqeessuun danda'amee jira. Tajaajila liqii keessatti rakkina guddaa kan ta'aa jiru deebii liqiiti. Hanga ammaatti liqii gama Waldaa Aksiyoona Liqii fi Qusannaa Oromiyaa (WALQO) tiin kennamee deebi'uu qabu keessaa %66 qofatu deebi'ee jira. Deebii liqii keessatti rakkini bu'uraa gurmaa'insa interpiraayzoota akka ta'e ilaaluun ni danda'ama. Liqii ittiin hojjetanii bu'aa buufachuun of-jijjiiruuf yaaduu caalaa akka mirga lammummaatti fudhachuudhaan yeroodhaaf fakkeessanii gurmaa'uudhaan fudhachuun bal'inaan mul'ateera.

Deeggersi IMX godhmu kan biraa walittihidhaminsa gabaati. Yeroo KGT-II kana keessa IMXn 569,191 carraa kana argachuudhaan galii Qr bil 13.5 ta'u akka argatan gochuuf maniin taa'ee jira. sochii godhameenis IMX 345,609(%60.7) carraa kanatti gargaaramuudhaan galii Qr bil 29.8 (%220.5) siiqu argatanii jiru. Gama walittihidhaminsa gabaatiin rakkinoota lama kaasuun ni danda'ama. Inni duraa, carraa yeroo heddu deddeebi'anii kan ittifayyadaman interpiraayzoota muraasa ta'uu isaati. Inni lammaffaa fi ittiyaadamuu qabu garuu walittihidhaminsa gabaa jedhamu kun sochii yeroo gabaabaa (baazaarii) waan ta'eef faayidaa itti fufinsa qabu kanhinkennine ta'uu isaati. Walittihidhaminsa inni dhugaa fi fulla'aan walittihidhaminsa IMX fi Induustirii gurguddaa,

akkasumas IMX fi dameewwan diinagdee kan biraa akka ta'e fudhachuu barbaachisa.

Walumaagalatti raawwiin gama misooma IMX jiru dadhabaa ture jedhamee fudhatamuu danda'a. Madda kufaatii kanaa ilaalchisee waa afur kaasuun ni danda'ama. Tokkoffaa, misooma IMX hojiidhabdummaa hir'isuuf akka fala rakkina ariifachiisaatti fudhachuudha. Kanarraa kanka'e intarpiraayizooti yammuu ijaaraman kan yaada keessa galu miseensoti isaanii hojidhabdoota ta'uu isaanii malee qophaa'umsa hojii isa dhugaa qabaachuun isaanii hin madaalamu. Lammaffaa, xiyyeeffannaan jalqabaa raawwii deeggersa IMX keessatti dhiyeessii liqii fi lafaa ta'uu isaati. Nama hojii hin qabneef maallaqaa fi lafti hojii murteessoo ta'uun isaanii walnama hin gaafachiisu. Haa ta'uu malee, nama qophaa'umsa hojii hin qabneef maallaqaa fi lafti qallaba yeroo gabaabaa yoo ta'an malee hojjetanii ittiin jijjiiramuuf hin ta'an. Gochi kun dargaggoo fi shamarran keessattis ilaalcha dogoggora ta'e waan uumeef qaama raawwachiiftuu irratti dhiibbaa adda addaa akka godhan taasisee jira. Sadaffaa, akkuma rakkinoonni lamman olitti argine ibsanitti saamichaa fi qisaasama maallaqaa fi qabeenyaa hordofsiisaniiru. Waa'ee lafaa yoo dhiifneyyu deebiin liqii %66 irra jiraachuun isaa ragaa gahaadha. Kana keessaa liqiin deebi'uu danda'uu fi kan deebi'uu hindandeenye addaan bahee kan hin beekamne ta'uun isaas fala kennuudhaaf rakkina ta'ee jira. Afraffaa, walittihidhaminsa Induustirii fi IMX gidduutti kan hin uumamne ta'uusaa. Walittihidhaminsa gabaa jedhamee baazaariin qophaa'u gurgurtaa yeroo gabaabaatiif ni barbaachisa; garuu guddina fulla'aa fiduu fi furmaata gahaa miti.

2. Inveestimentii

Gama misooma Inveestimentiitiin KGT-II kana keessa Inveestimentii dhuunfaa 2,400 simachuuf maniin taa'us kan simachuu danda'ame 2,484 (%100.04)dha. Walumaagala Inveestimentiin Oromiyaatti galmaa'ee jiru 12,995 yammuu ta'u kanneen yeroo ammaa qabatamaan hojii keessatti argama 6,711 qofaadha. Sochiin Inveestimentii yammuu ilaallamu, Inveestimentiiwwan sababa adda addaatiin harca'aa (hojii keessaa bahaan) dhufan akka jiran ilaaluun ni danda'ama. Kana malees keessuumaa iyyuu haala nageenya yeroo KGT-II kana keessa turerraa kan ka'e simannaan Inveestimentii kan KGT-I wajjiin walbiratti yammuu ilaallamu %46.4'n gad-bu'ee jira (Giraafii 17). Inveestimentii yeroo kana keessa simatame keessaa %56.6 kan ta'an agro-processing fi Induustirii oomisha irratti kan bobba'an ta'uun isaanii gaariidha.

Giraafii 1.17: Simannaa Investimentii



Carraa hojii gama Inveestimentii dhuunfaan uumame yammuu ilaallu, carraan hojii dhaabbii nama 64,199 (%58.2) fi carraan hojii yeroo nama 216,813 (%80.6) walumaagala carraan hojii nama 281,012 (%74) uumamee jira. Carraa hojii gama IMX fi Inveestimentii duunfaan uumame karoora wajjiin walbiratti yammuu ilaallamu raawwiin isaa karoorarraa %87 dha. Carraa hojii uumame keessaa %58 carraa hojii dhaabbii ta'uun isaa jajjabeessaa ta'us, ammallee gahaa miti.

Sochii gara Induustiriitti godhamu keessatti IMX caalaa Inveestimentiin dhuunfaa gahee guddaa akka taphachaa jirus ragaa awwan argaam olii irraa ilaaluun ni danda'ama. IMX yeroo KGT-II kana keessatti hundaa'an keessa kan Induustirii keessatti bobba'an %11 qofa yammuu ta'an, Inveestimentii yeroo kana keessatti simatame keessaa %56.6 Induustirii (agro-processing fi manufacturing) irratti kan bobba'anidha. Kanarraa wanti hubatamuu danda'u (ragaa kana qofaan xumurarra ga'uun rakkisaa ta'us) Inveestimentii dhunfaarratti xiyyeffatanii hojjechuun ce'umsa gara Induustirii taasifamuuf dhimma dursi kennamuufii qabu akka ta'edha. Haa ta'uu malee carraa hojii bal'inaan uumuuf IMX'n walhingitu. Kana jechuun, IMX kaappitaala xiqqaadhaan nama heddu hirmaachisuudhaan; Inveestimentiin dhuunfaa ammo oomisha rratti bal'inaan maallaqaa fi beekumsa dhangalaasuudhaan IMX fi Inveestimentii dhuunfaa giddutti walittihidhaminsa fi tumsi akka jiraatu taasisuun diinagdee bifa hundagaleessa ta'een guddisuuf murteessaadha. Kana waan ta'eef, akkuma misooma IMX jalatti ka'e walitti hidhaminsa IMX fi Induustiriiwwan gurguddaa iddoo ol-aanaa kennanii hujjechuun murteessaadha.

3. Kallattii Imaammata Ce'umsa Caasaa Dinagdee

Akkuma armaan olitti ibsame, IMX kaappitaala xiqqaadhaan socho'utu carraa hojii bal'aa uumuu danda'u. Inveestimentiin dhuunfaa ammo kaappitaala guddaa kan barbaadu ta'eetu carraan hojii inni uumu xiqqaa ta'us damee Induustirii irratti kan xiyyeeffatan baay'eedha. Haa ta'u malee sochii keenya hanga ammaatti wanti mul'ate IMX %11 qofaatu Induustirii oomisha rratti bobba'ee jira. Haalli kun yoo hinjijjiiramne humna warshaalee muraasaa qofaan oomisha biyya alaatii galu kan biyya keessaatiin bakka buussuunhindanda'amu; Induustiriinis hanga barbaadame carraa hojii uumuu hindanda'u.

Oomisha fi oomishtummaa Induustirii keenyaa hundeerraa jijjiiruuf dhimmoota lama qabannee ka'uu qabna:

1) oomishni Induustirii keenyaa meeshalee fayyadamtootaa (consumer goods) akka ta'u;

2) bal'inaan oomishuufis ta'e

Oomishaa fi oomishtummaa industirii keenyaa hundeerraa jijjiiruuf dhimmoota lama qabannee ka'uu qabna:

1) oomishni industirii keenyaa meeshalee fayyadamtootaa (consumer goods) akka ta'u;

2) bal'inaan oomishuufis ta'e humna namaa bal'inaan oomisha induustirii irratti bobbaasuuf IMX fi industirii gurguddaa giddutti walitti hidhamiinsa fulla'aa uumuu humna namaa bal'inaan oomisha Industirii irratti bobbaasuuf IMX fi Induustirii gurguddaa giddutti walittihidhaminsa jabaa uumuu.

Oomisha keenya hanga sadarkaa meeshalee fayyadamaa (consumer goods) xumuruun maaliif nu barbaachisa? Yoom iyyuu taanaan oomishni xumura irra hin gahiin gatiin isaa gad-aanaadha. Kana malees, akka oomisha xumurarra gahee gabaa bal'aa hin qabu. Oomisha keenya hanga xumuraatti yoo geessine gama tokkoon fedhii gabaa biyya keessaa guutuudhaan sharafa biyya alaa meeshalee akkanaatiif ba'u hambisuu nu gargaara. Gama biraatiin, gabaa addunyaa keessa galuudhaan sharafa biyya alaa fooyyee qabu akka argannu nu dandeessisa. Fakkeenyaaf, bara 1998 yeroo itti sekterii konistiraakshinii biyyattii sochii hoo'aa keessa gale ture. Haala kana hubachuudhaan warshaan abbootii qabeenya Chaayinaa tokko Awaash irratti hundaa'e. Warshichi akka warshaa simmintoo

gara biraa adeemsa galteewwan dheedhii lafa keessaa bahan gubuudhaa of-keessatti hin qabu. Warshichi daaktuu (mills) qofa qaba.

"Clinker" biyya Chaayinaa irraa fiduudhaan "pumice" ykn kamichaa Awaashitti argamuun walitti makee daakuudhaan gabaa konistiraakishinii biyya keenyaaf dhiyeessaa ture. Kanaanis hanqina simmintoo biyyattii qunname guddaa hiikee jira. Nutis akkuma kana yoo danda'ame hojii gara dhumaa irraa eegaluun xumuruu; yoo kana hin taane garuu jalqabarraa hanga xumuraa walittihidhuudhaan adeemuu qabna. keenya humna namaa hanga barbaadame gargaaramuus hin danda'u. Hojiiwwan akka kanatti gara xumuraa irraa eegallee xumuruu dandeenyu hojiiwwan salphaa; fkf keemikaalota keessaa kan akka oomisha saamunaa dhangala'aa adda addaa, barakiinaa, saanitaayzerii, dibata qaamaa fi rifeensaa; akkasumas hojii hodhaa huccuu keessaa kan akka uffata daa'immanii fi ijoollee, boorsaa mana barnootaa, uffata faashina dhiiraa, uffata ispoortii fi tuuttaa adda addaa, uffata keessaa, kaalsii fi ashangulliitiiwwan ta'uu danda'u. Kanneen birootis akka kana haala salphaan hojjetamuu danda'an addaa baasuun ni danda'ama.

Oomishoota kana humna warshaalee muraasaatiin fedhii gabaa biyyaa guutuun hindanda'amu. Fedhii gabaa guutuu akka danda'amu warshaalee hojii akkasii irratti bobba'anii fi IMX sirna oomisha tiin walittihidhuu barbaachisa. Abbaan warshaa mirga abbummaa biraandii oomishichaa kanqabaatu ta'ee dizaayinii fi Teknoolojii, leenjii, fi meeshaa dheedhii IMX ni dhiyeessa. IMX meeshalee kana gar-tokkee isaa bitachuudhaan, kan hafe duubeedhaan fudahchuudhaan bu'ura dizaaynii fi Teknoolojii abbaan warshaa irratti leenjiseen oomishee warshichaaf dhiyeessa. Warshishi qul-qullina isaa madaaluudhaan fudhatee maqaa ofii itti maxxansee saamsuudhaan gabaatti baasa. Hanga walamantaan guutuun giddu-lamaan IMX fi warshaatti uumamuuf walittidhufeenyi kun wabummaa Bulchiinsa magaalotaatiin kan gaggeeffamu ta'a.

Dabalataanis, bulchiinsi magaalaa IMX dhaaf iddo hojii (kilaastera, sheedii ykn lafa) dhiyeessuu fi tajaajila misooma daldalaa (BDS) kennu isaa ittifufa. WALQO dhiyeessii liqii iddoo hojiin amansiisaan jiru kanarratti amantii guutuudhaan dhiyeessa. Walumaagala, walittihidhaminsa kanaan IMX hojii (gabaa) amansiisaa kan argatu yammuu ta'u, Induustiriin gurguddaan ammo oomisha amansiisaa fi qulqullu bal'inaan oomishee gabaa keessatti dorgomaa ta'a.

Chaartii 1.2: Moodela walitti Hidhaminsa oomisha IMX fi Induustirii gurguddaa



Addunyaarratti dhaabbilee bebbeekamoon akka **“Nike, H&M, Pumaa fi Addidas**” osoo warshaa tokkollee hin qabaanne haala kanaan oomishtoota wajjiin walittihidhamuudhaan gabaa addunyaa too’atan. Nutis bifa kanaan guddina Induustirii keenya saffisiisuutu nurra jiraata.

1.2.4. Misooma Magaalaa fi Manneenii

Magaalaan giddu gala Induustirii fi daldalaa waan ta'eef guddina diinagdee keessattis ta'e ce'umsa caasaa diinagdee keessatti iddoo murteessaa qaba. Kanaafuu, magaalota iddoo jiruu fi jereenyaa mijatoo akka ta'an hojjechuun xiyyeeffannaa isa gara biraa KGT-II dha. Magaalonni jiruu fi jireenyaaf mijataa akka ta'an pilaanii ga'umsa qabuun buluu; bu'ura misoomaa gahaa qabaachuu; akkasumas qulqullinii fi magariisummaan isaanii kan eeggame ta'uu qabu. Haaluma kanaan, dhimmoota kana giddu galeessa godhachuudhaan xiinxalli raawwii hojiiwwan gurguddoo misooma magaalotaa KGT-II akka armaan-gadiitti dhiyaateera.

1. Raawwii Misoomaa

Hanga bara 2007 magaalonni Oromiyaa Kaartaa Bu'uraa 567, Pilaanii Bu'uraa 350, Pilaanii Caasawaa 76, Pilaanii Misooma Qe'ee 26, Pilaanii Saxaxaa 5, GGB 512, fi Pilaanii Tarsiima'aa 39 qabaachuu turan. Bara KGT-II kana keessa lakkoofsa kana dacha hedduun olguddisuuf maniin diriiraan taa'eera. Haaluma kanaan yeroo KGT-II kana keessa Kaartaa Bu'uraa 566, Pilaanii Bu'uraa 400, Pilaanii Caasawaa 11, Pilaanii Misooma Qe'ee 116, Pilaanii Saxaxaa 15, GGB 1000 fi Pilaanii Tarsiima'aa 39 dabalataan qopheessuuf maniin taa'ee jira. Kana keessaa Kaartaan Bu'uraa 379, Pilaanii Bu'uraa 282, Pilaanii Caasawaa 20, Pilaanii Misooma Qe'ee 55, Pilaanii Saxaxaa 27, GGB 328, fi Pilaanii Tarsiima'aa 21 qopheessuun danda'ameera. Raawwiin kun giddugaleessaan %52 dha.

Karaa gara biraatiin bara ka'umsa 2007 irratti giddugaleessoti magaalaa qaama seerummaa argatan 628 yammuu ta'an KGT-II kana keessatti lakkoofsa kana gara 768 guddisuuf maniin taa'us kan qaama seerummaa argatan 83(%59) qofaa ta'ee yeroo ammaa walumaagalatti magaalaa qaama seerummaa qaban 711 irra gahee jira.

Gama dhiyeessii bu'uraalee misoomaatiin hojiin gaggaariin hojjetamee jira (Giraafii 1.18). Daandiiwwan gosaa fi sadarkaa adda addaa km 13,252 haaraa kan ijaaraman yammuu ta'u km 3,810.4 suphameera. Bo'oon lolaa km 2,225 kan ijaarame yammuu ta'u sararri bishaanii km 420 fi sararri ibsaa km 370 diriirfameera. Waliigala hojiin gama bu'ura misoomaatiin hojjetame karoora wajjiin walbiratti yammuu ilaallamu %94 raawwatameera.

Giraafii 1.18: Raawwii bu'uraalee misooma magaalaa



Madda: Biiroo Misooma Magaalaa fi Manneenii Oromiyaa

Gama qulqullina magaalaatiin yeroo KGT-II kana keessa balfaa gogaa m3 mil 4.21 kaasuuf karoorfamee m3 mil 4.54 (%108) ka'eera. Iddoo fi haala qabiinsa balfa gogaa ilaalchisee "sanitary landfill" 9, "controlled landfill" 14 fi lafa balfi ittigatamu banaa ta'e dalla'ame 16 ijaaruuf karoorfamee "sanitary landfill" 3 (%33), "controlled landfill" 11 (%79) fi lafa balfi ittigatamu banaa ta'e dalla'ame

136 ijaaruun danda'amee jira. Kanas ta'ee, ammas magaalota keenya qul-qullina isaanii mirkaneessuun hindanda'amne. Hojiin balfa deebisanii hojirra oolchuu ammallee xiyyeeffannaa gahaa hin arganne.

Hojiin balfa deebisanii gargaaramuu hojii magariisummaa magaalaa wajjiin walitti hidhamee gaggeeffamuu dhabuun isaan balfi goggogaan ka'ee gara iddoo ittigatamuutti geeffamu garmalee guddaa akka ta'u taasiseera. Magaalota magariisuuf hojiiwwan hojjetaman keessaa tokko iddoo paarkiiwwan magariisaaf ta'an qopheessuudha.KGT-II kana keessa lafti waliigala hek 2,841 ta'u magariisummaadhaaf akka qophaa'u karoorfamus kan qophaa'uu danda'e hek 1,192 (%42) qofaadha.

Giraafii 1.19: Lafa magariisuu magaalotaatiif qophaa'e (2008 hanga bara caqasamee)



Madda: Biiroo Misooma Magaalaa fi Manneenii

Hojiin qul-qullina magaalaa, magariisummaa magaalaa fi qonna magaalaa walittihidhaminsa cimaa uumuudhaan carraa hojii uumuu fi nyaata madaalawaa (nutritious food) jiraataa magaalaatiif akka dhiyeessuu danda'anutti hojjechuu qabu.

2. Yaada Waliigala Raawwii Misooma Magaalaa

Walumaagalatti hojii misooma magaalotaa gama bu'uraalee misoomaa diriirsuu fi balfa gogaa maqsuutiin hojjetame raawwin isaa kanneen biroo irra fooyyee qaba. Haa ta'uu malee, gama tokkoon gabaasni kun bu'ura misoomaa fi balfa goggogaa maddisiisuu ilaalchisee sadarkaa magaalonni irratti argaman kan hin mul'isne waan ta'eef itti quufuuf rakkisaadha. Gama biraatiin, haalli ittiin balfi goggogaan maqfamu hammayyummaa kan hin qabnee fi faalama naannootiif sababa ta'uun kan raawwatamu ta'uunsaa akka rakkinaatti fudhatamuu qaba.

Kana malees, magaalota keessatti walittidhufeenyii hojiiwwan qul-qullinaa,magariisummaa fi qonna magaalaa sirnaan waan hin diriirfamneef magaalonni carraawwan guguddaa lama dhabanii jiru. Isaanis carraa hojii uumuu fi hanqina nyaata madaalawaa sirreessuu. Balfi goggogaan magaalonni maddisiisan akkuma qabiyyee hin nyaatamne (non-decomposable) ykn hin tortorree, qabiyyee nyaatamu ykn tortoruu (decomposable) ni qaba. Balfa qabiyyeewwan isaatiin addaan baasuun meeshaa deebi'ee hojiirra oolu (reuseable materials) deebisanii hojirra oolchuuf kanneen bifa biraatiin deebi'anii tajaajila kennuu danda'an (recycleable) deebisanii ittigargaaramuuf akkasumas, kanneen tortoranii xaa'oo ta'uu danda'an gara xaa'oo uumamaatti (natural compost) jijjiiruudhaan magariisummaa fi qonna magaalaatiif ittifayyadamuun ni danda'ama ture.

Balfa addaan baasuu fi akka-akka isaatti tajaajilarra oolchuun mataan isaa carraa hojii kan uumu ta'ee osoo jiruu balfa hedduminaan magaalotaa keessaa fe'amee baasuudhaan daangaa magaalotaarratti gatuun bulchiinsa magaalotaa baasiidhaaf kan saaxiluu fi komii uummataa kan dabaluu fi faalama naannoo fi qilleensaa bal'inaan dabaluu malee fala miti.

Magariisummaa magaalaa keessatti hojiin lafa qopheessuu baay'ee dadhabaa akka ta'e armaan olitti Giraafiidhaan argisiisuuf yaalameera. Rakkini

magariisummaa magaalaa keenya isa kana qofaa miti. Mukti adda-addaa magaalaa keessatti dhaabbatu gaaddisa ta'uu fi qilleensa sirreessuu bira darbee faayidaa gara biraa kennuu osoo danda'u osoo hinkennin hafeera. Mukti magaalota keessatti dhaabbatu (kan mootummaan dhaabus ta'e kan namooti dhuunfaa fi jaarmiyaaleen dhaaban) kan ijji isaa nyaataaf oolu osoo ta'ee hanqina nyaata madaalawaa magaalota keessatti mul'atu ni xiqqeessa. Kanaan fakkeenya gaarii kan taate magaalaa biyya Moorookoo kan taate magaalaa Maraakishidha. Magaalaa Maraakish keessatti mukti miidhaginaa fi magariisummaa magaalaatiif dhaabbatu burtukaana, temiraa, fi "olive" dha. Mukti kuni sadan isaaniiyyu kan ijji isaanii nyaatamudha. Nutis bifa kanaan osoo qajeelchinee kan namni mana-mana isaatti fayyadamu qofa osoo hintaane hiyyeessi karaarra bulus nyaata argata ture. Yaadni hanga ammaatti ka'e dhimma oppireeshinii raawwii karooraa ilaallatu ta'ee akka imaammataatti maaltu ta'uu akka qabu armaan gaditti dhiyaatee jira.

3. Kallattii Imaammata Misooma Magaalaa

A. Tarsiimoo misooma magaalaa yeroo dheeraatiin hoogganamuu

Akkuma gabaasa irraa arguun danda'amu, hojiin misooma magaalotaa tarsiimoo ifa ta'e hin qabu. Kanarraa kanka'e rakkina magaalotaa fi hojiin hojjetame hangam rakkina magaalaatiif deebii akka kenne agarsiisuun hin danda'amne. Bu'urri misoomaa ijaaramuun, balfi ykn kosiin ka'uun, biqiltuun dhaabbachuun fi kkf hojiiwwan barbaachisoo ta'anis, rakkina magaalotaatiif bifa tarsiima'aan deebii yoo kenname malee fuuldurri magaalota keenyaa gaarii hin fakkaatu. Giddu galeessi Baadiyaa ariitiidhaan gara magaalummaatti jijjiiramaa kan jiru yammuu ta'u, gandooti Baadiyaa magaalaa marsanii jiran babal'insa magaalaa abdachuudhaan ijaarsa qixa hinqabneen weeraramaa jiru. Kuni yeroo dheeraa keessatti guddina magaalotaatiif gufuu guddaadha.

Walitti dhufeenyi magaalotaa fi Baadiyaa hanga yoonaa ture rakkina kanaafis ta'e gaaffii waliwajjiin misoomuutiif deebii kennuu hin dandeenye. Rakkini kun tarsiimoo yeroo dheeraa barbaada. Inni lammaffaan, magaalonni galtee jireenya isaanii (bishaan, madda anniisaa mukaa, nyaata) Baadiyaarraa argatu; yeroo lafti ittidhiphatus gara baadiyaattii babal'atu. Akkasumas, fedhii fi karooraan ta'uu baatus, balfa adda addaa gara baadiyaatti gadilakkisuun Kanarraa kanka'e magaalaa fi baadiyaan walitti hajamanus waldiddaa bal'aa keessa yeroon ittigalan deddeebi'ee mul'ateera. Bishaan magalaaf yammuu galu gaaffii bishaan baadiyaa yoo deebise malee, magaalaan daangaa babal'ifachuun dura fedhiin uummata baadiyaa naannoo magaalaa jiruu yoo karoora keessatti hammatame malee, miidhama bosonaa baadiyaatti qaqqabuuf magaalaan deeggersa godhee maddii bishaanii fi anniisaa akka ittifufu yoo taasise malee magaaloti rakkina guddaaf saaxilamuuf yeroo dheeraa waan barbaadu hinfakkaatu. Kanaafuu waan hunda dura tarsiimoo misooma magaalota bocuu fi hojirra oolchuu barbaachisa.

B. Dandeettii magaalotaa gama hundaan cimsuu

Magaaloti giddu-gala daldalaa fi Induustirii waan ta'aniif gama tokkoon sosochii diinagdee lubbuu ittihoruuf; gama biraatiin faayidaa uummata hedduminaan lafa xiqqoorratti walgahee jiraatuu guutuuf jecha magaaloti tajaajila quubsaa kennuu akka danda'anu dandeettii isaanii cimsuu barbaachisa. Keessattuu humn konistiraakshinii, tajaajila balfa maqsuu, fi ittisa balaa adda-addaa magaalotaa ijaaruu barbaachisa. Hojiiwwan kun deeggersa Teknoolojii fi teeknikaa bal'aa kan barbaadudha. Sirna isaa ijaaruu irraa kaasee hanga tajaajila gahaa kennuu dandeessisuutii deeggersa teeknikaa fi Faaynaansii magaalotaaf barbaaduu fi hojirra oolchuu gaafata.

C. Magaalota "centre of excellence" ta'an hundeessuu

Magaaloti hundi haala walfakkaatu keessatti hin argamanu. Teessoon isaanii, haalli qilleensa isaanii, aadaan keessatti dagaage, seenaan magaalotaa fi kkf...

walumaagalatti dilbii fi carraan magaalotaa gar-garidha. Kana waan ta'eef, magaalota hunda karoora tokkoon hoogganuun hindanda'amu.

Kanaafuu, magaaloti akkuma haala dilbii fi carraa qabaniin kallattii guddina isaanii akka filatan dandeechisuun diinagdee walitiiHidhaminsa qabu dagaagsuufis ni gargaara. Kana jechuun, magaalaan dilbii Turiizimii uumamarratti hundaa'eerratti xiyyeeffatee hojjetu, karoora isaa hunda akka Turiizimiif haala mijataa uumutti bocata. Bu'urri misoomaa magaalattiin diriirsitu, dhaabbileen Inveestimentii isiin filattu, bobbin IMX fi daldala xixiqqaa, gosti ogummaa jiraattota isii gara damee turiizimii gabbisuutti kan fuulleffate ta'a. Yeroo kana, magaalaan gara biroo ammo giddu-gala daldala (raabsa shaqaxa adda addaa) ta'udhaan guddachuuf kallattii kaa'achuu dandeessi. Akkuma magaalaa Dubaayii shaqaxa addunyaa raabsuurratti hundoofte, magaalaan Oromiyaa takka ykn lama akka kanatti kallattii qabachuudhaan guddachuu dandeessi. Walumaagala, magaaloti "centre of excellence" akka ta'uu danda'anitti qajeelchuu, hoogganuu, fi deeggeruun dhimma yeroon gaafatu ta'ee argameera.

D. Gar-tokkee bu'ura misooma magaalaa kireessuu

Magaalonni tajaajila hawaasaa haa kennannu malee amala daldalaas qabu. Bu'urrii misooma magaalaa akka bu'ura misooma baadiyaa kan hawaasa bal'aa qofa miti. Magaalonni bu'uraalee misoomaa kan akka buufata shaqaxaa gurguddaa daddabarsa shaqaxaatiif oolu, giddu gala ykn paarkii Induustirii, giddu gala qorannoo Saaynsii fi Teknoolojii fi kkf ijaaruudhaan akka kireessan haalli mijachuufiin faayidaa dacha qaba. Faayidaan inni jalqabaa, qixa kallattii filataniin "centre of excellence" isaaniitiin bu'ura misoomaa murteessaa ta'e qopheessuuf isaan gargaara.

Kana gochuudhaan Inveestimentii kallattii isaan barbaadaniin hawachuu danda'u. Faayidaan lammaffan, galiin bu'ura misoomaa kanarraa argamu ba'uura

misoomaa gara biroo babal'isuuf ni gargaara. Kana gochuun ammo galii magaalotaa dabaluun maxxantummaa kennaa lafaa irraa walaba taasisuu ni danda'a.

Magaalonni bu'ura misoomaa gar-tokkee akka kireessan gochuuf garuu haalli ittiin liqii argatan jiraachuu qaba. Liqii biyya keessaas ta'e kan biyya alaa bu'a-qabeessummaa pirojeektii isaanii irratti hundaa'e argachuun dhimma murteessaadha. Dhimmi kun akka tarsiimoo ce'umsa diinagdeetti fudhatamee hojjetamuu yoo danda'e jijjiiramni ariitii galmaa'uu ni danda'a.

1.2.5. Geejjibaa fi Nageenya Daandii

Fedhii fi dhiyeessa tajaajila geejjibaa wal-simsiisuuf akkasumas uummatni tajaajila geejjibaa ammayyaa'aa, filannoo qabuu fi dhaqqabamaa ta'e akka argatu taasisuuf hojiilee gurguddoo gama dhiyyeessa tajaajila geejjibaatiin hojjetamaa tureera. Haaluma kanaan, sararri bobbii 2007 irratti 2,395 kan ture waggaa waggaan dabaluun bara 2012 gara sarara 3,466 ol-guddisuuf karoorfamee raawwiin 3,510 raawwatameera.

Balaa tiraafikaa waligalaa naannoo keenyaa keessatti qaqqabe 2007 irratti 3,850 irra kan ture waggaa waggaan hir'isuun bara xumura KGT-IItti 1,262 gadi buusuuf karoorfamee raawwiin bara 2012 balaan waliigalaa qaqqabe 3,298 ta'ee dabalee jira. Du'aatii namaa 2007 irratti 1,604 ture bara baraan gad-buusuudhaan bara 2012 namni sababa balaa tiraafikaa lubbuu isaa dhabu 595 akka hin caalle hojjechuuf karoorfamus,du'aatiin namaa bara-baraan dabalaa adeemuudhaan xumura bara 2012 itti 1,158 irra gahee jira.

Gabatee 1.20: Karooraa fi raawwii nageenya tiraafikaa



Madda: Komishinii Poolisii Oromiyaa, 2012

Gama biraatiin,meeshaa teknoolojii amayyaa'aa hojii to'annoo geejjiba daandii KGT-I keessa kan lakkoofsaan 56 (Raadaarii 6 fi To'attuu Alkooliii 50) irra gahe kan jiru yoo ta'u, KGT-II keessatti karoorri Raadaarii 100 raawwii 4 (%4), To'attuu Alkooliii karoorri 500 raawwiin 100 (%10), Motora to'annoo karoorri 200 raawwii 40(%20), Ifa Akeekkachiiftuu karoorri 962 raawwiin isaa 126 (%13.09), SMS teknoolojii 1(tokko), Kokolaataa To'annoo karoorri 40 raawwii isaa 5 (%12.5) fi Raadiyoo to'annoo karoorri 1000 raawwiin hin jiru.

Haala balaa tiraafikaa dhaqqabaa jiru kana yammuu xiinxalamu 1) balaa tiraafikaa 13 qaqqabu keessaa 4 kan lubbuu namaa dabarsudha; 2) balaa du'a dhaqqabsiisu 3 keessatti yoo xiqqaate lubbuun namoota 4 ni darba; 3) balaa tiraafikaa 11 dhaqqabu keessaa balaawwan 5 kan miidhaa qaamaa cimaa irraa hanga lubbuu namaa balleessuu gahanidha; 4) balaawwan miidhaa qaamaa cimaa

iraa kaasee hanga lubbuu namaa balleessuu gahan 10 yoo uumaman yoo xiqqaate namoonni 17 miidhaa qaamaan cimaa fi ykn lubbuu dhabuun kan ni gaha.

Kanarraa wanti hubatamu, du'aatii dhala namaa hir'isuuf iddoon irratti xiyyeeffatamuu qabu balaa miidhaa qaamaa cimaa hordofsiisu xiqqeessuurratti akka ta'uu qabudha. Akka waliigalatti balaa tiraafikaa qaqqabaa jiru xiqqeessuuf meeshalee teknoolojii itti fayyadamuun yoo jiraate iyyuu waggoota darban kana keessatti bara baraatti garaagarummaa haa qabatu malee balaan gahaa jiru guddaa ta'uun hubatamee jira. Too'annoo tiraafikaa Teknoolojii hammayyaatiin deeggeramu kan qabu ta'uun isaa akkuma jirutti ta'ee, saffina konkolaataa daangessuu fi iddoowwan balaaf saaxilan addaan baasuudhaan hojii injiineriingii hojjechuun dhimma murteessaadha. Kana malees fe'umsa geejjiba uummataa humnaa ol-ta'e to'achuun du'aatii balaa dhaqqabu xiqqeessuu keessatti shoora ol-aanaa akka qabu fudhachuun irratti hojjechuu barbaachisa.

1.3. Xiinxala Raawwii fi Kallattii Imaammata Karoora Damee Hawaasummaa

1.3.1 Misooma Barnootaa

1. Raawwii Damee Barnootaa

Baay'ina manneen barnootaa 2007tti 14,502 ture bara 2012 gara 17,134 ol-guddisuuf; keessattuu baay'ina manneen barnoota sadarkaa lammaffaa fi qophaa'inaa 1,156 irraa gara 2,269 guddisuuf karoorfamee ture. Baay'ina manneen barnootaa xumura 2012 irratti 16,215 ol-guddatus, manneen barnoota sadarkaa lammaffaa fi qophaa'inaa garuu waggaa shan keessatti 122 qofa dabaluun rakkina guddaadha.

Haaluma kanaan manneen barnootaa sadarkaa dhaan xumura KGT-II, MB sadarkaa 1^{ffaa} 14,937 fi sadarkaan 2^{ffaa} 1,278 yoo ta'u wirtuun barnoota fedhii addaa 74 fi koolleejiin barsiisotaa 13 irra gahee jira. Daballiin manneen banootaa

waliigalatti manii taa'een walbira qabamee yammuu ilaallamu %65 yommuu ta'u, kan manneen barnoota sadarkaa lammaffaa fi qophaa'inaa garuu %11 qofaadha.

Daballii manneen barnootaa kana galmee barattootaa wajjin wal bira qabnee yommuu ilaallu, barattoota waliigala bara 2012 galmaa'an 9,645,177 keessaa %86.6 barattoota sadarkaa tokkoffaa yammuu ta'an, %13.4 immoo barattoota sadarkaa lammaffaa fi qophaa'inaati. Manneen barnootaa 16,215 jiran keessaa ammo %92.1 manneen barnoota sadarkaa tokkoffaa yammuu ta'an, %7.9 manneen barnoota sadarkaa lammaffaa fi qophaa'inadha.

Kanarraa wanti hubatamuu danda'u, fedhiin manneen barnoota sadarkaa lammaffaa fi qophaa'inaa guddaa ta'uu isaati. Sababiin hir'ina hirmaannaa(dilboo fi qul-qulluu) sadarkaa lammaffaas gar-tokkeen isaa kanarraa kan madde ta'uu danda'a. Dhimmi kun KGT-II keessatti hubatamee akka walgituu danda'utti (m/b sadarkaa tokkoffaa %86.8 fi m/b sadarkaa lammaffaa fi qophaa'ina %13.2 gochuuf) karoorfamus, raawwiin isaa garuu faallaa kanaa ta'ee jira.

Hirmaannaan (dilboo fi qul-qulluu) barnootaa sadarkaa tokkoffaa baay'ee ol-aanaa yoo ta'u; kanuma keessaa hirmaannaan kutaa 5-8 gad-aanaadha. Hirmaannaan sadarkaa hundaa kan bara ka'umsaa irraa fooyyee kanqabu ta'us; raawwiin hirmaannaa barnoota idilee duraa (BID), sadarkaa 2^{ffaa} fi qophaa'inaa garuu baay'ee gad-bu'aadha.

Giraafii 1.21: Hirmaannaa barnootaa



Madda: Biroo Barnoota Oromiyaa, 2012

Hirmaannaan BID gad-aanaa ta'uun isaa haala jiruu fi jireenya uummata keenyaa wajjiin walqabata. Hirmaannaan kutaa 5-8 (dilboon %73 fi qul-qulluun %58.9) garuu dhimma ittiyaadamuu maludha. Reettiin xumura (completion rate) kutaa 4^{ffaa} % 87.7 ta'ee Reettii Ce'umsaa (transition rate) kutaa 4^{ffaa} gara 5^{ffaa} %80.2 ta'uun isaa hirmaannaa kutaa 5-8 irratti hanga tokko dhiibbaa qabaachuu danda'a. Haa ta'uu malee kuni qofaa isaatti sababii gahaa ta'ee hinfudhatamu.

Raawwii ga'umsa keessa keessoo barnootaa (internal efficiency) yommuu ilaallamu, sadarkaa hundattuu harcaatii fi irradeebii barnootaa %2 gad-buusuu karoorfamus raawwiin isaa faallaa kanaa ta'ee argameera. Harcaatiin ol-aanaan kan galmaa'e kan kutaa 1^{ffaa} yoo ta'u (%23.55), walumaagalatti harcaatiin kutaa 1-4 %16.06, kutaa 5-8 %11.91 ta'ee argameera. Gama biraatiin Reettiin irradeebii

kutaa 1-4, kutaa 5-8, kutaa 9-10 fi qophaa'inaa walduraa- duubaan %9.3, %9.1, %17.6 fi %5.2 ta'ee argameera.

Kanas ta'ee barattoonni hafan hangam barnoota qul-qullina qabu argatan kan jedhus kaasuus barbaachisaadha. Qul-qullina barnootaa qabxii barattootaatiinii fi haala gamaaggama waliigala barsiisotaa fi manneen barnootaatiin ilaaluun ni danda'ama. Barattoota bara 2011 qormaata naannoo (kutaa 8^{ffaa}) fi biyyoolessaa (kutaa 10 fi 12) keessaa barattooti kutaa 8^{ffaa} %94.5 fi barattooti kutaa 10^{ffaa} %84.6 gara gulantaa itti'aanutti cee'anii jiru. Barattoota qoraamat kutaa 12 fudhatan keessaa %45.36 gara Yunivarsitii galanii jiru. Ce'umsi barattoota qormaata kutaa 12^{ffaa} fudhatanii dogoggora Ejensii Qormaata Biyyoolessaatiin uumame waan ta'eef gamaaggamuun hin danda'amu. Raawwiin Ce'umsaa kutaa 8 fi 10 kan bara 2007 wajjiin walbiratti yammuu ilaallamu jijjiirama bal'aa agarsiisee jira.

Qul-qullina barnootaa gama barsiisotaan yommuu madaalamu, barsiisota hojiirra jiran keessaa barsiisonni sadarkaa 1^{ffaa} %89.6, kan kutaa 9-10 %96.3, fi kan qophaa'inaa %22.4 kanneen ulaagaa sadarkaa ittibarsiisanii guutanidha. Kuni kan bara 2007 wajjiin walbiratti yammuu ilaallamu jijjiirama bal'aa ta'us, keessattuu kan qophaa'inaa ammas hanqina guddaa qaba. Kanumaan walcinatti madaallii ga'umsa ogummaa barsiisummaa bara-baraan gaggeeffamaa tureen barsiisoti qormaataan milkaa'an kan sadarkaa 1^{ffaa} %35.2, kan sadarkaa 2^{ffaa} fi qophaa'inaa % 30.5 qofa ta'uun isaanii qul-qullina barnootaa mirkaneessuu keessatti yaaddoo guddaa ta'ee argameera.

Madaallii ga'umsa manneen barnootaa marsaa lama gaggeeffameen giddu galeessaan manneen barnootaa %18.25 gulantaa 1^{ffaa} (baay'ee gad-aanaa), %69.45 gulantaa 2^{ffaa} (gad-aanaa), %12.28 gulantaa 3^{ffaa} (fooyyee) fi %0.02 kan ulaagaa ga'umsaa guutan ta'anii madaalamanii jiru. Walumaagalatti, barsiisota ulaagaa guutan ramaduuf carraaqqiin taasifame gaarii ta'us ga'umsi barsiisotaa fi manneen barnootaa keenya rakkina hamaa keessa akka jiran ilaaluun barbaachisaa ta'a.

2. Xumura

Walumaagala raawwiin gama barnootaatiin jiru kallattii hedduun kan bara 2007 irraa fooyyee haa qabaatu malee manii taa'eef milkeessuu irratti garuu qaawwa bal'aa agarsiisee jira. Rakkoolee sektera barnootaa bakka lamatti hiruun ilaaluun ni danda'ama. Isaanis rakkina dhaqqabamummaa (access) barnootaa fi rakkinoota qul-qullina (quality) barnootaati.

Dhaqqabamummaa barnootaa

Dhaqqabamummaa barnootaa: keessattuu gama barnoota sadarkaa 1^{ffaa} tiin hojiin bal'aan hojjetamee jira. Haa ta'uu malee carraan barnoota sadarkaa 2^{ffaa} fi qophaa'inaa dhiphaa ta'ee mul'ata. Haala amma irra ga'ameen giddugaleessaan manni barnootaa tokko baratootaa 595 tajaajilaa kan jiru ta'us, manni barnootaa sadarkaa 1^{ffaa} tokko giddugaleessaan barattoota 560 yammuu tajaajilu manni barnoota sadarkaa 2^{ffaa} fi qophaa'inaa tokko barattoota 1,009 tajaajilaa jira.

Jecha biraatiin ibsuuf, barattoota waliigalaa keessaa %86.6 kan ta'an barattoota sadarkaa tokkoffaa yoo ta'an manneen barnootaa jiran keessaa %92.1 manneen barnoota sadarkaa tokkoffaadha. Kana jechuun, barattooti sadarkaa 2^{ffaa} fi qophaa'inaa barataa waliigalaa keessaa %13.4 ta'an manneen barnootaa jiran keessaa qoodni isaan argatan %7.9 qofaadha. Kanaafuu, carraan barnoota sadarkaa lammaffaa fi qophaa'ina hanqina manneen barnootaa wajjiin walqabatee dhiphachuu isaatiin hirmaannaan barattootaas akkuma kana baay'ee gad-bu'aa ta'uu danda'ee jira. Haalli kun naannoo horsiisee bulaatti daran cimaadha. Naannoo horsiisee bulaatti hirmaannaan barattoota sadarkaa tokkoffaa marsaa 2^{ffaa} baay'ee gad-aanaadha.

Kana malees, hirtaan daree barataa yammuu ilaallamu manneen barnoota sadarkaa 1^{ffaa} akka istaandardiitiin daree tokko keessa barataan jiraachuu qabu 50 ta'us yeroo ammaa giddugaleessaan barataa 58 irra jira. Faallaa kana manneen barnoota sadarkaa 2^{ffaa} fi qophaa'inaa daree tokko keessa barataan 40 jiraachuu qaba ture; haa ta'uu malee yeroo ammaa daree tokko keessatti giddugaleessaan barattootaa 77 dare tokko keessatti barachaa jira.

Giraafii 1.22: Dhaqqabamummaa barnootaa

A. Baay'ina manneen barnootaa fi barataa

	Baay'na manneen barnootaa	Baay'ina barataa galmaa'e	Baay'ina barataa mana barnoota tokkoo giddu-galeessaan
Sad.1ffaa	14,939	8,356,150	560
Sad. 2ffaa fi Qophaa'inaa	1,278	1,289,027	1,009
Walitti	16,215	9,645,177	595

Madda: Biiroo Barnoota oromiyaa, 2012

B. Hirmaannaa waliigalaa fi kan naannoo horsiisee bulaa walbiratti



Qulqullina barnootaa

Qul-qullinni barnootaa milkaa'inaa fi qabxii barattootaatiin kan ibsamu yammuu ta'u; ga'umsa keessoo manneen barnootaa fi ga'umsa barsiisotaatiin walqabata. Gama ga'umsa keessoo dhaabbilee barnootaatiin wantooti mul'atan qabxii fi Reettii darbiinsa barataatiin calaqqisu. Reettiin ce'umsa (transition rate) sadarkaa 1ffaa marsaa tokkoffaa irraa gara marsaa 2ffaa %87 irraa gara %80.2 gad-bu'uu fi Reettiin darbinsaa (promotion rate) sadarkaa 1ffaa (kutaa 1-4) %78 irraa %76.2 gad-bu'uun isaa rakkini qulqullina barnootaa hammaachaa dhufuu isaa agarsiisa. Madaalliin afaanii fi herregaa barattoota kutaa 4ffaa kan bara 2007 irraa fooyyee agarsiisus, ammas dandeettiin ingiliffaa isaanii baay'ee gad-aanaa yammuu ta'u dandeettiin afaan dhalootaa fi herregaa isaaniis sadarkaa giddu galeessarratti argama. Barattoota bara 2011 qormaata kutaa 8 fudhatan keessaa %94.5 qabxii %50 ol kan galmessisan ta'uun isaa injifannoo guddaa ta'us, barattoota qormaata

biyyoolessaa kutaa 10 fudhant keessaa %84.6 fi kanneen qormaata kutaa 12 fudhatan keessaa ammo %45.36 qofti qabxii ce'umsaatiin ol-galmeessisuun isaanii yaaddoo guddaadha. Kanaafis, akka madda rakkina ol-aanaatti kan fudhatamuu danda'u ga'umsa keessoo manneen barnootaa fi dandeettii barsiisota isaaniiti.

Madaallii manneen barnootaa marsaa lama gaggeeffameen, manneen barnootaa ulaagaa qul-qullinaa guutan (gulantaa 4^{ffaa} ta'an) waliigala keessaa giddu galeessaan %0.02 qofa yammuu ta'an haalli kun marsaa lammaffaa irratti kan marsaa duraa irraa gad-bu'ee argamee jira. Manneen barnootaa sadarkaa fooyyee (gulantaa 3^{ffaa}) irratti madaalaman ammo giddu galeessaan %12.28 yammuu ta'an, marsaa duraatti %14.86 kan turan marsaa lammaffaa irratti %8.83 gad-bu'uun isaa ammas rakkini qul-qullina barnootaa hammachaa adeemuu isaa ni agarsiisa.

Haalli bu'ura misooma manneen barnootaa yammuu ilaallamu manneen barnootaa sadarkaa 1^{ffaa} mana fincaanii qaban %93.1 fi manneen barnoota sadarkaa 2^{ffaa} fi qophaa'inaa %95.9dha. Haa ta'uu malee kanneen bishaan qaban manneen barnoota sadarkaa 1^{ffaa} %28.4 fi manneen barnoota sadarkaa 2^{ffaa} fi qophaa'inaa %56.2 qofaadha. Kana malees, manneen barnootaa ibsaan galeef sadarkaan 1^{ffaa} %26.7 qofa yammuu ta'an, manneen barnoota sadarkaa 2^{ffaa} fi qophaa'inaa %76.4 dha. Kuni hundi walitti ida'amuudhaan qul-qullina barnootaa irratti dhiibbaa uumuun isaa hin hafu.

Manneen barnootaa ga'umsa qaban qabaachuuf hooggansa manneen barnootaa ga'umsa qabu qabaacguu gaafata. Haala hooggansa manneen barnootaa yemuu ilaalluun,bara 2007 dura-bu'oota manneen banoota sadarkaa 1^{ffaa} %15.5 fi itti aantota dura-bu'ootaa %15.5 qofaatu ulaagaa iddochaa guutu turan. Tattaaffii KGT-II kana keessa taasifameen lakkoofsi kun bara 2012 walduraa-duubaan %49.9 fi %50.1 irra gahee jira. Dura-bu'oota manneen barnoota sadarkaa

lammaffaa keessaa 2007 %9.2 qofti kan ulaagaa guutan yammuu ta'anu, bara 2012 lakkoofsi kun gara %54.5 ol-guddatee jira. Carraaqqiin gama kanaan taasifamee fi jijjiiramni galmaa'es ajaa'ibsiisaa akka ta'e ilaaluun ni danda'ama. Haa ta'uu malee, deebiin kun fedhii jiruun walgituu hindandeenye.

Kanuma wajjiin walqabssisuudhaan dandeettii fi ga'umsa barsiisotaa ilaaluun murteessaadha. Barsiisota jiran keessaa barsiisoti sadarkaa 1^{ffaa} %89.6, kanneen kutaa 9-10 %96.3 fi kanneen qophaa'inaa %22.4 barsiisota ulaagaa barsiisummaa sadarkaa sanaaf barbaachisu guutanidha. Raawwiin kun kan bara 2007 wajjiin walbiratti yammuu ilaallamu jijjiirama guddaadha. Keessattuu gama barsiisota sadarkaa tokkoffaa fi lammaffaa horachuutiin hojjetame kan jajjabaachu qabudha. Carraaqqiin barsiisota qophaa'inaa ulaagaa guutan horachuuf taasifames salphaa miti; haa ta'uu malee fedhii jiru wajjiin walgituuf ammas sochii bal'aa gaafata. Inni kun akkuma jirutti ta'ee, yeroo ammaa yaaddoo guddaa qul-qullina barnootaa kanta'e ga'umsa basiisotaa gama ogummaa barsiisummaan jirudha. Madaallii barsiisotaa yeroo KGT-II kana keessatti gaggeeffamaa dhufeen barsiisota sadarkaa 1^{ffaa} keessaa %35.2 fi kanneen sadarkaa 2^{ffaa} fi qophaa'inaa keessaa %30.5 qofti madaallii kanaan kan milkaa'an ta'uun isaa yaaddoo guddaa qul-qullina barnootaa akka ta'e fudhachuu barbaachisa.

Xiyyeeffannoo fuulduraa

Hunda dura, biyyaa akka keenyaa lakkoofsi uummataa dabalaa adeemuu fi carraan barnootaa reefu babal'ataa jirutti hojiin waliinga'iinsaa barnootaas ta'e qulqullini barnootaa carraaqqii waggoota dheeraa barbaadu akka ta'e itti waliigaluu barbaachisa. Kana jechuun, carraan barnoota dhaloota tokkoo daangeffamuu qaba jechuuf miti. Akkasumas qul-qullini barnoota yeroo tokkoo gad-bu'aa ta'us rakkina hinqabu jechaaf miti. Kuufama gaaffii carraa barnootaa deebii kennuuf takaanfiin fudhatame tarkaanfii ajaa'ibsiisaadha. Baajenni fi ittifayyadama baajeta sekteroota njii dabalatee) waggoota shanan darbanitti

baajeta waliigalaa keessaa %56 dha. Baajenni kun akka duraan yaadame %77 irraa baay'ee gad-bu'aa ta'us, kana keessaa baajenni barnootaa fi leenjiidhaaf[3] ramadame kan sekteroota hiyyummaa hir'isanii keessaa %39 fi baajeta waliigala naannoo keessaa ammo %21.8 dha. Raawwiin baajeta yammuu ilaallamus, baajeta seektara hiyyummaa hir'isan hojirra oole keessaa %41.6 kan barnootaa fi leenjii yammuu ta'u, kun baasii waliigalaa keessaas %21.8 ta'a.

Giraafii 1.23: Baajeta damee barnootaa fi leenjii



Kanarraa wanti hubatamuu danda'u, dameen barnootaa dameewwan xiyyeeffannaa ol-aanaa argatan keessaa isa jalqabaa ta'uu isaati. Haa ta'uu malee, gama tokkoon yeroon KGT-II kun yeroo sosochiin uummataa bal'inaan keessatti gaggeeffame ta'uu fi manneen barnootaa ammo giddu-gala sosochii kanaa ta'uun isaanii qul-qullina barnootaa irratti dhiibbaa ol-aanaa dhaqqabsiisee jira. Gama biraatiin, baajenni damee barnootaa fi leenjiif ramadame kan seektara hiyyummaa hir'isuu keessaa ola'aanaa haa ta'uyyuu malee, waliigala xiyyeeffannaan seektara hiyyummaa hir'isuuf kenname kan duraaniirraa gad-bu'aa waan ta'eef kunis waliingahiinsaa fi qul-qullina barnootaa irratti dhiibbaa uumee jira.

[3] *Barnootaa fi leenjiin barnoota waliigalaa fi BLTO dabalata*

Dhimmi waliinga'iinsaa fi qulqullina barnootaa kuufama yeroo dheeraa ta'uu isaarrayyu fedhiin gama kanaan dabalaa jiru bal'aa akka ta'e yaada keessa galchuun murteessaadha. Kanaafuu, falli rakkina waliingahiinsaa fi qul-qullina barnootaa, ramaddii baajeta damee barnootaa fi leenjiif taasifamu ol-kaasudhaan keessattuu leenjii barsiisotaa fi ijaarsa humna manneen barnootaaf akka oolu taasisuudha. Kanumaan walcinatti gama hooggansa barnootaatiin hirmaannaa hawaasaa dagaagsuudhaan rakkina manneen barnootaa qaban waliwajjiin hiikuu fi hirmaannaa fi turmaata akkasumas qabxii barattootaa fooyyessuurraatti waliwajjiin hojjechuun dhimma xiyyeeffannaa barbaadudha.

1.3.2 Misooma Fayyaa

1. **Raawwii Misooma Fayyaa**

Bu'aa sektera fayyaa isa hangafa ta'ee kan ilaalamu raawwii gama du'aatii haadholee fi daa'immanii hir'isuu irratti. Du'aatii haadholee hir'isuu ilaalchisee xumura KGT-II irratti haadholee 100,000 keessaa haadholeen du'an 199 akka hin caalle maniin taa'us, akka ragaan Dhaabbata Fayyaa Addunyaa (WHO) ALA bara 2019 agarsiisutti du'aatiin haadholee kan bara 2008 ALI (EDHS 2016) ture 420 irraa gara 353 gad-bu'ee jira. Bara 1992 (EDHS 2000) irraa kaasee hanga bara 2011 du'aatiin haadholee waggatti giddugaleessaan %4.64 hir'achaa dhufuun bara 2008 hanga 2011 waggatti giddu galeessaan %5.63 gad-bu'aa dhufuu isaa agarsiisa. Haala kanaan, bara 2012 gara 353 gad-bu'ee jira.

Du'aatii daa'immanii hir'isuu ilaalchisee bakka saditti qoodanii ilaaluun ni danda'ama. Du'aatii daa'imman reefu dhalatan(neonatal mortality),du'aatii daa'imman waggaa tokkoo gadii (infant mortality) fi du'aatii daa'imman waggaa shanii gadii (under-five mortality). Akka ragaan EDHS(2016) agarsiisutti daa'imman lubbuun dhalatan 1000 keessaa bara 2008 daa'imman reefu dhalatan 30, daa'imman waggaa tokkoo gadii 43, daa'imman waggaa shanii gadii 55 akka du'an ni ibsa. Ragaan EDHS (2019) akka agarsiisutti bara 2011 du'aatiin kun walduraa-duubaan gara 30,43 fi 55 gad-bu'ee jira. Kana jechuun bara 2008-2011 waggatti giddugaleessaan walduraa-duubaan %6.75, %10.51 fi %11.37 hir'achaa dhufee jira. Haala kanaan, akka ragaan agarsiisutti xumura bara 2012 du'aatiin daa'imman reefu dhalatanii 30, kan daa'imman waggaa tokkoo gadi 43, fi kan daa'imman waggaa shanii gadii 55 gadi bu'ee jira.

Giraafii 1.24: Reettii du'aatii haadholee fi daa'immanii



Du'aatii haadholee hir'isuuf uwwisni tajaajila karoora maatii, tajaajila da'umsa duraa, da'umsa ogeessa fayyaatiin deeggaramee fi kunuunsa haadholee da'umsa boodaa maal akka fakkaatu ilaaluu barbaachisa.

Giraafii 1.25: Karoora maatii fi tajaajila fayyaa haadholee



Madda: EDHS 2000-2019

Uwwisni tajaajila karoora maatii hammayyaan bara-baraan dabalaa dhufuudhaan bara 2011tti %38.9 irra ga'uu danda'eera. Uwwisni kun bara 2008 irraa kaasee bara-baraan giddugaleessaan fooyya'insa %11.5 agarsiisaa dhufee jira. Fedhiin karoora maatii hin guutamne %29 ta'us ammas sadarkaa quubsaarra akka hin ga'iin ilaaluun barbaachisaadha. Uwwisni tajaajila kunuunsa da'umsa duraa (ANC+4) ogeessaan kennamu xumura 2012 irratti %40.6 irra gahee jira.

Kana malees, tajaajilli da'umsaa ogeessa fayyaatiin kennamu bara 2008 %19.7 irra ture bara 2011 %90 irraan gahuuf karoorfame bara 2012 %59 irra gahee jira. Raawwiin kun bara-baraan giddu galeessaan guddina %30.42 kan agarsiise yammuu ta'u; tajaajilli da'umsaa mana yaalaa keessatti kennamu bara 2008 %18.8 irra ture bara 2011 gara %40.9 guddachuu danda'eera. Kana jechuun, hubannoon fi ilaalchi hawaasaa tajaajila dhaabbata fayyaatti argachuuf qabu fooyya'aa dhufuu isaatiin tajaajilli kun bara-baraan giddu galeessaan guddina %29.6 agarsiisee jira jechuudha.

Gama biraatiin tajaajilli kunuunsa haadholee da'umsa boodaa (PNC) guyyoota lama keessatti taasifamu bara 2008tti %8.4 irra ture bara 2012 gara %100 akka guddatu maniin taa'us (%80) irra gahee jira. Kun bara-baraan giddu galeessaan %45.9 guddina kan agarsiise waan ta'eef 2012 %38.1 irra gahee jira. Haala kanaan, raawwiin isaa manii wajjiin yammuu ilaallamu %38.1 ta'a.

Walumaagalatti, hojiin gama du'aatii haadholee xiqqeessuutiin hojjetame manii wajjiin walbiratti yammuu ilaallamu dadhabaa ta'us, jijjiiramni ykn fooyya'insi bara-baraan galmaa'e gurguddaa waan ta'eef du'aatiin haadholees manii taa'e bira dhaqqabuu baatus hir'achaa dhufee jira. Kanarraa barumsi fudhatamuu qabu tokko manii hawwii qofaan kaa'uu (setting ambitious targets) osoo hintaane, humnaa fi fedhii jiru walmadaalchisuudhaan (balancing the targets with the resources available) karoorsuun murteessaa ta'uu isaati. Kanaafuu, rakkini jiru rakkina karooraa malee rakkina raawwii akka hintaane ni hubatama.

Tajaajilli haadholeef godhamu fayyaa daa'immaniitiifis murteessaadha. Haa ta'uu malee,daa'immanis kophaatti tajaajila adda addaa isaaniif malu yoo argatan malee du'aatiif saaxilamu. Gama kanaan talaalliiwwan adda addaa kennamaa turan ilaaluun ni danda'ama. Uwwisni talaallii daa'immanii yeroo gara yerootti fooyya'aa dhufuu isaa ragaan EDHS 2000- 2019 jiru ni agarsiisa.

Giraafii 1.26: Talaallii daa'immanii



Akka ragaa EDHS 2016 bara 2008 daa'imman talaallii gosa hunda fudhatan %24.7 fi kanneen gonkumaa talaallii hin fudhatin %21.4 turan. EDHS 2019 irraa akka hubachuun danda'amu, waggaa sadii keessatti daa'immaan talaallii guutuu fudhata %30 yammuu guddatu lakkoofsi daa'imman talaallii gonkumaa hinfudhatin gara %18.9 gad-bu'ee jira. Jijjiiramni kun waggatti giddu galeessaa walduraa-duubaan guddina %6.6 fi hir'ina %4.06 ta'uu isaa agarsiisa.

Gama biraatiin hojii gama hanqina nyaata daa'immaniitiin hojjetameen quucarummaan, huqqinii fi hoffini ulfaatina qaama daa'immanii yeroo gara yerootti fooyya'aa dhufee jira. Akkuma Giraafii 1.27 armaan gadii irraa ilaaluun danda'amu haalli guddinaa fi ulfaatina daa'immanii fooyya'aa dhufee jira.

Giraafii 1.27: Haala nyaata daa'immanii



Madda: EDHS 2000-2019

Raawwiin armaan olitti ibsame kan haadholee fi daa'imman qofaa ilaallatu yammuu ta'u, hojiiwwan hawaasa bal'aa ilaallatan dhibee ittisuurratti hojjetaman jiru. Dhibee HIV/AIDS ilaalchisee humna qorannoo dhiigaa bara 2007 nama mil 3.4 irra ture bara 2012 nama mil 13.63 qorachuun danda'amee jira. Kanaanis namoota qorataman keessaa %0.4 ta'an dhiiga isaanii keessatti HIV argamee jira.

Bifa adda-addaatiin waa'ee dhibee kanaa barsiisuun kan ittifufee yammuu ta'u, namoota haaraa dhibee kanaan qabaman bara 2007 %0.03 turan bara 2012 gara %0.01 gad-buusuu maniin Haata'uu malee lakkoofsi kun gara %0.63 ol-ka'ee jira.

Namoota 100,000 keessaa namoota haaraa dhibee daranyoo sonbaatiin qabaman (new infections) 2007, 224 ture bara 2012 gara 157 gad-buusuu karoorfamee 151 irraan ga'uun danda'amee jira. Miidhama qaamaa sababa dhibee juzaamiinaan dhufu bara 2007 (%11) irra ture bara 2012 gara %8 gad-buusuun danda'amee jira. Uummatni keenya %68(23,307,760) kan ta'u naannoo dhibee busaatiif saaxilamaa bakka ta'e keessa jiraata. Haaluma kanaan, du'aatii sababa dhibee busaatiin mudatu bara 2008 namoota 100,000 keessaa 4 ture bara 2012 gara 0.6 gad-busuuf karoorfamee keessaa gara namoota 0.3 gadi kan bu'ee fi namoota waggaatti bifa haaraatiin dhukkuba busaan qabaman (annual parasite incidence) 1,000 keessaa gara namoota 26 gadi buusuun danda'amee jira.

Dhibee ittisuuf tajaajila eksiteenshinii fayyaa bal'inaan kennamuun walcinatti tajaajilli waldhaansa dhibee deddeebisanii yaaluu (OPD) fi tajaajilli ciibsanii yaaluu (IPD) karaa dhaabbilee fayyaatiin bifa idileetiin kennamaa jira. kanaafis, babal'inni dhaabbilee fayyaa, dhiyeessiin humna namaa fi dhiyeessiin qorichaa dhimmoota murteessaadha. Bara 2007 Oromiyaan keellawwan fayyaa (KF) 6,519, buufattoota fayyaa (BF) 1,320 fi hospitaalota 57 turaniiru. Xumura KGT-II baay'ina KF gara 6,559, BF gara 1,410 fi hospitaal gara 96 ol-guddisuuf karoorfamee ture. Hospitaalota kana keessaa 58 hospitaala sadarkaa jalqabaa (primary hospital) si'a ta'u 34 hospitaala waliigalaa (general hospital) fi 4 immoo hospitaala ispeeshaalaayzidii (specialized hospital) dha.

Baay'inni dhaabbilee fayyaa kun baay'ina uummataa wajjiin walbiratti yammuu ilaallamu kan hospitaala waliigalaa malee ammas istaandardii gadidha. Kunis, lakkoofsa uummataa dabalaa adeemu faana ammas ijaarsi dhaabbilee fayyaa dabalataan kan barbaachisu akka ta'e agarsiisa. Baay'ina uummataa amma jiruun

KF 684, BF 151, hospitaala jalqabaa 331 fi hospitaala ispeeshaalaayzidii 4 dabalataan ni barbaachisa.

Dhaabbileen fayyaa kun gama humna namaatiinis yammuu ilaallaman yeroo gara yeroottii fooyya'insi argamaa jira. Bara 2008 ogeeyyiin fayyaa Oromiyaa keessa turan 43,227 turan. Lakkoofsi kun bara 2012 , 73,813 irra gahee jira.

2. Xiinxalaa fi Yaada Kallaattii Fuulduraa

Fayyaa haadholee ilaalchisee, haadholeen dhaabbata fayyaa keessatti da'an lakkoofsi isaanii dabalaa akka jiru ragaan ni agarsiisa. Kanas ta'ee garuu hanga ammaatti sadarkaan irra ga'ame %40 qofa ta'uun isaa yaaddoo guddaadha. Rakkinichi tamsa'iinsa dhaabbilee fayyaa wajjiin hanga tokko yoo walqabate iyyuu waliinga'insi dhaabbilee fayyaa sadarkaa gaarii irra jiraachuu wajjiin walitti qabamee yammuu ilaallamu maddi rakkinichaa kan biraa akka ta'e ni akeeka. Akkuma ragaa kanarraa ilaaluun danda'amu, da'umsi ogeessa fayyaatiin deeggerame %43.7 qofa ta'uun isaa maddi tokkoo tajaajilli dhaabbilee fayyaa keessatti kennamu quubsaa ta'uu dhabuu wajjiin walqabachuu akka danda'u ni eera. Haa ta'uu malee akka ragaa EDHS 2011 irraa ilaaluun danda'amu maddi rakkina kanaa harki caalu (%92.5) hubannoo fi ilaalcha hawaasa keessaa fi dubartoota bira jiru ta'uu danda'a. Kanaafuu tajaajilli eksiteenshinii fayyaa dhimma kana ajandaa taasifatee socho'uu danda'uu qaba.

Baay'ina daa'immaan talaallii hin fudhannee hir'isuu qofa osoo hintaane daa'immaan talaallii jalqabanii keessaa harca'an ykn talaallii guutuu hifudhanne heddumina akka qaban ragaan ni agarsiisa. Fkf daa'immaa yeroo EDHS 2019 uwwisu keessatti talaallii BCG fudhatan %69.7, kanneen DPT-HepB isa jalqabaa fudhatan %73.4, fi kanneen pooliyoo isa jalqabaa (polio-1) fudhatan %77.4 (gabatee 1.1). Haa ta'uu malee lakkoofsichi yammuu gara talaallii farra gifiraa (measles) cee'u gara %48.7 fi yammuu talaallii hundaan (BCG1, DPT 1-3, Polio 1-3, measles) ilaallamu gara %29.9 gad-hir'atee jira. Sababii harcaatii kanaa

kan’ibsu yeroodhaaf ragaan argame hinjiru waan ta’eef of-duratti ajandaa qorannoo ta’ee osoo ilaallamee fala itti kennuu ni dandeechisa.

Karaa gara biraatiin ragaa EDHS 2000-2019 keessatti talaalliin pooliyoo yeroo daa’imti dhalattu kennamu (dose at birth) yeroo hundumaa gad-bu’aa ta’uun isaa gaaffii ta’uu qaba. Keessattu yeroo baay’inni haadholee dhaabbata fayyaatti da’anii dabalaa dhufetti lakkoofsi kun walakkaa lakkoofsa haadholee dhaabbata fayyaatti da’aniiyyu hintaane. Kanaafuu, maddi rakkina kanaa maal akka ta’e beekamee falli itti kennamuu qaba.

Gabatee 1.1: Raawwii talaallii daa’immanii

Gosa talaallii		Raawwii talaallii [%] yeroo sassaabbii ragaa atiin				
		EDHS 2000	EDHS 2005	EDHS 2011	EDHS 2016	EDHS 2019
BCG		41.6	57.8	57.4	59.7	69.7
DPT	DPT-1	39.6	54.2	50.4	64.8	73.4
	DPT-2	28.5	43.7	41	53.5	66.8
	DPT-3	16.2	28.5	26.8	39.9	53.6
Polio	Polio-0	9.8	18.5	15.5	NA	12.5
	Polio-1	84.1	73.7	77	74.3	77.4
	Polio-2	61.4	61.5	61.5	61.6	70.5
	Polio-3	28.7	41.1	35.8	43.4	52.8
PCV	PCV-1	NA	NA	NA	58.8	72.6
	PCV-2	NA	NA	NA	51.5	65.5
	PCV-3	NA	NA	NA	38.3	52.6
RV	RV-1	NA	NA	NA	58.2	72.1
	RV-2	NA	NA	NA	50.2	67.4
Gifira/ Measles		19.6	29.4	45.9	43.2	48.7
Guutuu kan fudhatan		9.8	20.2	15.6	24.7	29.9
Gonkuma kan hinfudhanne		14.9	25.5	19.4	21.4	18.9

1.3.3 Misooma Dubartootaa, Dargaggoo fi Daa'immanii

1. **Misooma Dubartootaa**

Dhimma koorniyaatiin walqabatee wantoonni hedduu kan ka'uu qaban ta'anus, gabaasa kana keessatti fayyadamummaa dubartootaa gama diinagdee, barnootaa fi fayyaatiin jiru; miidhaa dubartootarra ga'u hambisuu irratti hojiiwwan hojjetamanii fi bu'aawwan argaman ni dhiyaatu.

Babal'isi bu'uraalee misoomaa (daandii, Inerjii fi ibsaa,bishaan) fi dhaabbilee tajaajila hawaasaa (barnoota, fayyaa) dadhabbii fi miidhaa dubartootarra ga'u hir'isuu fi carraa haaraa hirmaannaa dubartootaatiif kan uuman ta'uun isaa akkuma jirutti ta'ee, hirmaannaa fi fayyadamummaa dubartootaa gama diinagdeetiin yammuu ilaallu jalqabarratti carraa hojii ilaaluun barbaachisaadha.

KGT-II keessatti gama carraa hojii uumuutiin, deeggersoota IMX godhamu kan akka dhiyeessii iddoo oomisha fi gurgurtaa fi tajaajila liqii ilaalchisee fayyadamtooti %50 dubartoota akka ta'an maniin taa'ee ture. Haaluma kanaan carraa hojii IMX uumame 5,899,470 carraan hojii 1,660,929 (%28.2) qooda dubartooti argatanidha. Hojii dhaabbii keessatti %25.1 fi hojii yeroo keessatti %33.2 hirmaannaa dubartootaati. Gama tajaajila liqiitiin, dubartoota 1,120,160 fayyadamoo taasisuuf karoorfamee dubartoota 598,200 qr biliyoona 13.1 liqeeffatanii fayyadamoo yammuu ta'u, raawwiin kuni gad-aanaa ta'us hirmaannaan dubartootaa kan dhiiraa wajjiin walbiratti yammuu ilaallamu fayyadamtoonni %34.7 dubartootadha.

Akkasumas dhiyeessii lafa oomisha fi gurgurtaa raawwatame keessatti dubartoonni 1,175,000 fayyadamoo akka ta'an karoorfamee dubartoonni 480,691(%41) kan fayyadaman ta'us lakkoofsi kun fayyadamtoota waliigalaa keessaa hirmaannaan dubartootaa %38.1 irra akka jiru agarsiisa. Walumaagala carraa hojii fi deeggersa IMX godhamu keessatti hirmaannaa dubartootaa %50 irraan gahuuf karoorfamus hirmaannaan giddu galeessaan %31 irratti argama.

Giraafii 1.28: Fayyadamummaa dinagdee dubartootaa kan waliigalaa keessaa



	Carraa hojii	Fayyadamtoota liqii	Fayyadamtoota lafa hojii
Waliigala	5899470	1841496	1261656
Dubartoota	1660992	638999	480691

Madda: Ejensii Carraa Hojii Uumuu fi Wabii Nyaata Magaalaa/

Hirmaannaa dubartootaa barnoota keessatti jiru yammuu ilaallamu, agarsiiftuuwwan hirmaannaa barnootaa hundaanuu barattooti dubaraa kanneen dhiiraa irraa gad-aanaa ta'ee mul'ata (gabatee 1.2). Galmee barattootaa dhiiraa fi dubaraa yammuu walbiratti ilaallamu (gender parity), sochii bara 2008-2012 ture keessatti giddu galeessaan 0.85 yammuu ta'u inni gad-aanaan 0.70 fi inni ol-aanaan 0.92 dha. Kana jechuun, yeroo kana keessatti giddu galeessaan barattoota 100 dhiira ta'an wajjiin barattoonni dubaraa galmaa'an 85 turan jechuudha. Haalli kun naannoo horsiisee bulaatti baay'ee gad-aanaa ta'ee mul'ata. Haaluma kanaan yeroo kana keessatti naannoo horsiisee bulaatti "gender parity" giddugaleessaan 0.66 yammuu ta'u, inni gad-aanaan 0.50 fi inni ol-aanaan 0.87 tureera. Raawwiin bara 2012 qofti fudhatamee yammuu ilaallamu ammo kan waggaa shaman keessatti mul'aterraa gadi ta'ee argama.

Gama biraatiin ammoo agarsiiftuuwwan bu'a-qabeessummaatiin (harcaatii, irra deebii fi kkf) yammuu ilaallamu, kan barattoota dhiiraa fi kan dubaraa akka walgitu ilaaluun ni danda'ama. Haa ta'uu malee, raawwiin barnootaa waliigalaa

dadhabaa ta'uu wajjiin walqabatee, bu'aan gama barnootaatiin galmaa'e gammachiisaa akka hintaane fudhachuun gaarii ta'a. Hirmaannaan barsiisota dubartootaa bara 2008-2012 (kan sadarkaa hundaa keessaa) giddu galeessaan %39.85 irraan gahuuf karoorfamee %34.37 irra kan ga'e yammuu ta'u, kan bara 2012 %42 irraan gahuuf karoorfamee %40.1 irra gahee jira.

Barattoota harka-qalleeyyii ta'an barumsa isaanii akka ittifufan fi carraa barnootaa bilisaa akka argatan sochiin adda-addaa taasifamaa tureera. Haaluma kanaan bara 2007 shamarran harka-qalleeyyii 11,865 barumsa isaanii akka ittifufan ta'e bara 2008-2012 shamarran 288,135 barumsa isaanii akka ittifufan taasisuuf karoorfamee shamarran 97,675 bira ga'uun danda'amee jira. Bara KGT-I keessa shamarran harka-qalleeyyiin 4,137 carraa barnoota bilisaa kan argatan yammuu ta'u KGT-II keessatti lakkoofsa kana gara 5,913 ol-guddisuuf karoorfamus shamarran 2,481 caalaa gargaaruun hindanda'amne.

Gabatee 1.2: Raawwii barnootaa gama koorniyaatiin

Sadarkaa barnootaa	Saala	Galmee [lak]	HD [%][3]	HQ [%]	Harcaatii [%]	Irradeebii [%]	Turmaata [%]	Xumura[%]	Dabarsa[%]	Ce'umsa[%]
BID	Dhiira	1281478	34.3							
	Dubara	1262505	31.3							
	Waliigala	2543983	32.8							
Ku 1[ffaa]	Dhiira	1004656	173.4	112.6	23.8	9.6				
	Dubara	874400	154.2	101.3	23.3	9.5				
	Waliigala	1879056	163.9	106.95	23.55	9.5				
Ku 1-4	Dhiira	2927878	145.6	121.8	16.21	9.4				
	Dubara	2537293	128.6	108.3	15.88	9.3				
	Waliigala	5465171	137.2	115.1	16.06	9.3				
Kut.4	Dhiira							94.2		80.3
	Dubara							81		80.1
	Waliigala							87.7		80.2
Kut. 5	Dhiira						53.4			
	Dubara						53			
	Waliigala						53.2			
Ku5-8	Dhiira	1515087	79.5	63.1	11.99	9				
	Dubara	1248306	66.5	54.7	11.81	9.2				
	Waliigala	2763393	73	58.9	11.91	9.1				

Sadarkaa barnootaa	Saala	Galmee [lak]	HD [%][3]	HQ [%]	Harcaatii [%]	Irradeebii [%]	Turmaata [%]	Xumura[%]	Dabarsa[%]	Ce'umsa[%]
Kutaa 1-8	Dhiira	4515047	115.3	106.2	9				76.2	
	Duubara	3841103	99.8	93.3	9.2				76.3	
	Waliigala	8356150	107.6	99.8	9.1				76.2	
Kut. 8	Dhiira						31.2	60.4		
	Dubara						28.1	48		
	Waliigala						29.65	54.3		
Kutaa 9	Dhiira				14.6					
	Dubara				17.5					
	Waliigala				14.8					
Kutaa 9-10	Dhiira	446613	47.2	21.5		16.1				
	Dubara	342974	36.8	19.3		19.6				
	Waliigala	789587	42	20.4		17.6				
Kutaa 11	Dhiira				8.94					
	Dubara				9.02					
	Waliigala				8.98					
Kutaa 11-12	Dhiira	293468	33.4	14.5		5.2				
	Dubara	205972	23.8	12.1		5.3				
	Waliigala	499440	28.6	13.3		5.2				

[3] HD= Hirmaannaa Dilboo; HQ= Hirmaannaa Qul-qulluu; BID= Barnoota Idilee Duraa

Madda: Biiroo Barnoota Oromiyaa, 2012

KGT-II kana keessa gahee dubartootaa siviil sarviisii keessatti %50 irraan ga'uuf, carraa barnoota dubatoota siviil sarvaantii ta'an %40, fi leenjiiwwan adda-addaa irratti hirmaannaa isaanii %50 irraan gahuuf maniin taa'ee ture. Haa ta'uu malee raawwiin isaa walduraa-duubaan %34, %28.3 fi %27.5 irratti argama. Kana malees, dubartoota gara hooggansaa fiduuf tattaaffii godhameen sadarkaa aanaa fi godinaatti gaheen dubartootaa %23 irra kan ga'e yammuu ta'u sadarkaa naannootti ammas %7 hincaalle. Walumaagalatti dubartoota roga diinagdee, hawaasummaa, fi siyaasaatiin fayyadamoo taasisuuf carraaqqiin taasifamus, garaagarummaan koorniyaa dhimma yeroo dheeraa hidda gad-fageeffatee fi jijjiirama hawaasaa bal'aas barbaadu ta'uu isaa irraa kan ka'e hanga barbaadame fiixa hin baane.

2. Misooma Daa'immanii

Mirgi daa'immanii akka hin sarbamnee fi daa'imman miidhaa qaamaa fi xiin-sammuutiif akka hin saaxilamne taasisuuf carraqqiin adda addaa godhamaa turee jira. Daa'imman bifa gurmaa'een sagalee isaanii akka dhageessifatanii fi hamilee akka horan paarlaamaa daa'immanii jiran jajjabeessuu fi haaraas ijaaruun bal'inaan hojjetamaa tureera. Keessattuu rakkina hamaa ta'aa kandhufe hedduminaan daa'imman daandiirra bulanii akka qixa qabatu hojiin jajjabeessaan hojjetameera.

Walumaagalatti daa'imman 30,867 daandiirraa kaasuudhaan danda'amnaan maatiitti makuuf, yoo hin danda'amne garuu guddifachaa biyya keessaa fi mala adda addaatiin jireenya tasgabbaa'aa akka jiraatan taasisuuf karoorfamee ture. Haaluma kanaan, daa'imman 14,924 (dh 7,611 fi du 7,313) toftaawwan armaan olitti ibsamaniin deebi'anii hawaasichatti akka makaman gochuun danda'ameera.

Giraafii 1.29: Daa'imman daandiirraa kaasuu fi hawaasatti makuu







Madda: Biiroo Dhimma Dubartootaa, Dargaggoo fi Daa'imman Oromiyaa, 2013

3. Misooma Dargaggoo

Haala uummata keenyaa (population characteristics) irraa kan ka'e, hojiiwwan misoomaa armaa dura ibsamaa dhufan keessatti hirmaannaan dargaggoota (dhiiraa fi dubaraa) daran ol-aanaadha. Kuni akkuma jirutti ta'ee hojiin boonsaan gama dargaggootaatiin bifa qindaa'een KGT-II kana keessatti hojjetame hojii tajaajila lammummaati. Tajaajila lammummaa dursee jalqabame madaaluudhaan Mootummaan Naannoo Oromiyaa labsiidhaan akka deeggeramu taasisuun isaa dhimmichi xiyyeeffannaa ol-aanaa argachuu isaa agarsiisa. Yeroo KGT-II kana keessatti walumaagala dargaggoonni mil 6.73 (karoora keessaa %84) qe'ee maatii isaaniirraa gara iddoo biraatti bobba'uudhaan tajaajila lammummaa kennaa turaniiru. Kanaanis, saba iddoo biraa jiru wajjiin muuxannoo waljijjiiruudhaan humnaa fi hubannoo isaanii kan cimsatan yammuu ta'u, tajaajila kennaniinis baasii Mootummaan baasuu male Qr bil 3.94 akka qusatamu taasisaniiru. Kuni dhimmaa bara-baraan jajjabaatee kan ittifufu ni ta'a.

1.3.4 Misooma Aadaa fi Turiizimii

Aadaa, afaan fi seenaa Oromoo kunuunsuu, dagaagsuu fi dhalootatti dabarsuuf hojiiwwan hojjetaman heddu ta'anus kanneen ciccimoo ta'a qofaa kaasuun gahaa ta'uu danda'a. KGT-II kana keessa hojiin ijoon hojjetame tokko Sirni Gadaa hambaa kiliyaa dhala namaa ta'ee galmee UNESCO irratti galmaa'uu isaati. Inni kan biraa sosochii uummataa hordofee rifoormii ittigalameen Irreechi Hora Finfinnee yeroo jalqabaatiif bara 2012 iddoo isaa duriitti irreeffatamuu isaati.

Kana malees gama tokkoon hirmaannaa uummataata qindaa'een giddu galli aadaa, godambaaleen, manneen kitaabaa fi ardaaleen jilaa ijaaramuuf sosochii godhameen Pirojeektota 33 karoorfaman keessaa 10 xumuramanii jiru. Gama biraatiin aadaa, afaanii fi seenaa Oromoo magaala Finfinnee keessatti akka lalisu taasisuuf ijaarsi giddugala leenjii nyaata aadaa Oromoo, giddu gala leenjii aartii Oromoo fi giddu galli egzibiishinii kutaalee magaalotaa sadii keessatti ijaarsi jalqabamee sadarkaa adda addaa irratti argama.

1.3.5 Haqaa fi Nageenyaa

Hojiiwwan haqaa fi nageenyaa hojjetaman keessaa kanneen riifoormii wajjiin walittiqabsiifamanii raawwataman kaasuun irra gaarii ta'a. Kana keessaa inni tokko riifoormii sosochii uummataatiin dabaalamee fiixa baasuu wajjiin walitti qabsiisuudhaan namoota mana sirreessaa turan 60,000 ol-ta'an akka gad-lakkifaman ta'uu isaati. Walittidhufeenya naannolee ollaa wajjiin ture

fooyyessuun ammo isa gara biraadha. Bara 2008 irraa kaasee sosochii uummataa taasifamaa ture dawoo godhachuudhaan humnoonni angoo irra turuu barbaadan uummata daangaarra jiru walitti buusuudhaan uummata giddutti diinummaan akka uumamu taasisuuf tattaffii gochaa turanii jiru. Kanaanis uummanni mil tokko ta'u qe'ee isaa irraa buqqa'ee ture. Haala kana jijjiiruudhaan keessattuu bara 2009 walakkaa irraa kaasee hanaga bara 2012 walitti aansuudhaan naannolee ollaa wajjiin marii uummataa fi hooggansaa babal'aa gaggeessuudhaan rakkinichi akka dhaabbatu ta'eera. Kana qofaan osoo hin daangeffamiin shira xaxxootaa qolachuun bifa dandeessisuun leenjii poolisootaa fi milishootaa gaggeeffamee jira.

Haa ta'uu malee, sosochii uummataa gaggeeffamaa ture gar-maleetti geessuuf humnooti adda addaa biyya keessa socho'aa waan turaniif tasgabbii guutuu mirkaneessuun yeroo dheeraa fudhachuu danda'eera. Yeroo kana keessattis meeshalee waraanaa qawwee 5,309 fi shuuguxii 5,265, bombii 508, akkasumas rasaasa 103,118 to'annoo jala oolchuun danda'amee jira. .

1.3.6 Ga'umsa Raawwachiisummaa Mootummaa Cimsuu

Qorannoo manneen hojii mootummaa naannichaa irratti taasifameen rakkini ga'umsaa fi bu'a- qabeessummaa ol-aanaa akka ta'e hubatamee jira. Kanaafis gama tokkoon angoo fi gaheen manneen hojii walirra bu'uu isaatiin, gama biraatiin ammo hojiiwwan walittisiquu qaban gar-gar bittinnaa'anii hojjetamuu irraa kan ka'e akka ta'e ilaallamee jira. Kanuma bu'ura godhachuudhaan manneen hojii mootummaa bara 2011 irraa kaasanii bifa haaraan akka gurmaa'an taasifamaniiru.

Akkum gamaaggama walakkeessa KGT-II irratti ilaallame, si'oominaa fi bu'a-qabeessummaa tajaajila manneen hojii mootummaa naannichaa keessatti danqaa sadaffaa ta'ee kan ture hanqina ittifayyadama teknoolojiidha. Yeroo KGT-II kana keessa manneen hojii 23 "digitalized" gochuuf karoorfamee manneen hojii 18 [manneen hojii 4 Data Management System,' manneen hojii 9 kenna tajaajila elektiroonikiisii fi manneen hojii 5 tiif 'web design'] mosaajii akka fayyadaman ta'eera.

Kana malees sarara cimdii "woredanet"dhaan manneen hojii naannoorraa hanga aanaa fi magaalaatti jiran 4,279 walitti hidhuuf karoorfamee manneen hojii 2,915 [44 naanno, 451 godina, 346 magaalaa 1,250 aanaa] walitti hidhuun danda'amee jira. Walumaagala, ittifayyadamni Teknoolojii qunnamtii odeeffannoo (TQO)

naannichaa bara 2007 %50 irra ture xumura bara 2012 %80 irraan gahuuf karoorfamus %66 irraan ga'uun danda'amee jira.

Tajaajila uummataa saffina qabu kennuu wajjiin walcinaatti qul-qullinni hojii,iftoominaa fi ittigaafatamummaan dhimmoota murteessoo bulchiinsa gaariiti. Kana jalatti dhimmoota gurguddoo lama kaasuun barbaachisaadha. Inni duraa, mootummaa keessatti iftoomni hanqachuu isaatiin saamicha raawwatamu ilaalchisee tarkaanfii ittigaafatamummaa hordofsiisu fudhachuudha. Gama kanaan waggoota shanan darban keessatti namoota qabeenya uummataa fi mootummaa irratti gocha malaammaltummaa raawwatan irratti tarkaanfii gorsaa fi falmiitiin qabeenyi Qr mil 3.06 mootummaan deebi'uu danda'ee jira.

Giraafii 1.30: Qabeenya Mootummaa saamame gorsaa fi falmiidhaan deeb'e



Madda: Mana Hojii Abbaa Alangaa Waliigala Oromiyaa

Inni lammaffaan sirna hordoffii fi gamaaggama hojiiwwan misoomaati. Hordoffii fi gamaaggamni koreewwan suupperviizyinii, koreewwan dhaabbii Caffee fi gurmaa'insa adda addaatiin barsiifataan gaggeeffamu KGT-II keessas ittifufee jira. Haa ta'uu malee hojiin kun yeroo hunda bifa ijaaramee fi bifa itti gaafatamummaa hordofsiisuu danda'uun waan hin gaggeeffamneef harkifannaa hojiiwwan fi qisaasama qabeenyaa hambisuuf humna hin arganne. Kanaafuu, dhimmi hordoffii fi gamaaggama hammayyeessuu toftaa raawwii karoora yeroo itti aanuu ta'ee kan fudhatamu ta'a.

Kutaa 2: Raawwii KGT-II Seektaraan

2.1.Dinagdee Gooroo

Diinagdeen gooroo agarsiistota sadarkaa diinagdeen biyyaa ykn naannoo tokkoo irra jiru ittiin madaalaman kan of keessatti qabatee fi agarsiistotni kunis akka idil addunyaatti hojii irra oolaa jiranidha. Agarsiitotni kunneenis, guddinaa diinagdee akka waliigalaa fi kutaalee diinagdeen adda baasanii kan agarsiisan, sadarkaa qusanoo fi investimentii biyyaa/ naannoo irra jiruu, sadarkaa indeeksii misooma namaa, sadarkaa hiyyummaa fi hojii dhabdummaa, galii fi baasii (fiscal policy) biyyaa tokkoo maal ta'uu akka qabuu fi haala qaala'insa gatiin walaqabatanii fi kkf kan ittiin xiinxalamanii fi kallattiin fuula duraaf mootummaan hordofuu qabu agarsiisudha.

Naannoon keenya agarsiistota muraasa kan akka guddina diinagdee naannoo kan waliigalaa fi kutaalee diinagdee fi kutaaleen guddina diinagdee kun ce'umsa caasaalee diinagdee naannichaaf gumaachan agarsiisuu, akkasumas sadarkaa galiin nam-tokkee uummata naannichaa irra gahee fi guddina diinagdee naannichaa keessaa sadarkaa gaheen qusannoo fi investimenti irra jiru kan agarsiisuu, haalaa galii fi baasii fi qaala'insa gatii xiinxaluudhaan kallatti karoora waggaa fi yeroo giddu galeessaa qopheessee hojii irraa oolchaa tureera, hojii irra oolchaas jira. Haaluma kanaan, xiinxalli diinagdee gooroo waggoota shanan darbanii (2008-2012) gaggeeffamee jira. Dokumantiin xiinxala diinagdee gooroo naannnichaa kun agarsiistota kanaan olitti ibsaman irratti dabalataan haalaa hiyyummaa fi hojii dhabdummaa uummata naannichaa of keessaatti hammatee kan qophaae yoo ta'u haala itti aanee jiruun dhiyaateera.

1. Guddina Dinagdee Naannoo (GDP)

Bara 2008 waliiggalii diinagdee naannichaa Qarshii biiliyoonaa 387.4 kan ture bara 2012 Qarshii tiriliyoona 1.157 irra gahee jira. KGT-II keessa diinagdeen Naannoo Oromiyaa giddu galeessan filannoo bu'uraatiin (lowercase scenario) %11.2 akka guddatuu gochuuf investimeentii babal'isuun irratti xiyyeeffatamee hojjetamaa tureera.. Guddinni diinagdee Naannoo Oromiyaa KGT-II keessatti gatii bu'uraa bara 2003 irratti hundaa`uun giddugaleessaan waggaa waggaan % 9.2n guddachaa ture. Bara 2011 guddinni dinagdee naannoo %10.8 irra kan ture bara 2012 sababa nagaa fi tasgabbiin dhabamuu, goginsa, weerara dhibee Koronaa Vaayirasii fi weerara hawaannisaa irra kan ka`e gara %8.1 gadi bu`eera.

Gabate 2.1: Guddina Dinagdee Naannoo 2008-2012

Kutaa Dinagdee	2008	2009	2010	2011	2012
Qonna	3.0	5.5	6.1	4.6	7.8
Industrii	13.6	21.6	19.5	9.4	10.0
Tajaajila	5.2	17.5	13.2	19.7	7.6
Waliigala	4.7	11.9	10.8	10.8	8.1

Madda: KKMO

2. Galii Nam-tokkee /GDP per capita income

Hundumtaa omisha naannoo(GDP) keessaa gaheen galii nam-tokkee yeroo ilaalamu gatii gabaa yerootiin (Nominal per capita) bara 2008 tti *USD* 669.7 kan ture, bara 2012tti USD 941.2 irra gahee jira.

	2008	2009	2010	2011	2012
Galii Nam-tokkee	669.7	703.9	816.2	808.1	941.2

Gahee damee diinagdeetiin yommuu ilaalamu, gaheen qonni hundamtaa omisha naannichaa (GDP) keessaa qabu bara 2008 tti % 51.9 irra kan ture 2012 %44.1 tti gadi bu`ee jira. Gahee industiriin hundumtaa omisha naannoo keessaa qabu immoo 2008tti %15.5 ture 2012 gara 18.3 akka guddatu ta`ee jira.

Gabatee 2.2: Gahee Kutaaleen diinagdee GDP Naannoo keessaa qabu

kutaa dinagdee	2008	2009	2010	2011	2012
Qonna	51.91	48.92	46.86	44.27	44.14
Industrii	15.53	16.88	18.20	17.98	18.29
Tajaajila	32.56	34.20	34.94	37.75	37.92
	100	100	100	100	100

Haaluma wal-fakkaatuun, gahee dameen tajaajila hundumtaa oomisha naannoo (GDP) keessaa qabu bara 2008 %32.5 irra ture bara 2012 tti 37.9tti guddatee jira. Kana irraa hubachuun akka danda`amutti ce`umsa caasaa dingdee qonnaa irraa gara industiriitti ceesisuuf taasifama jiru dhugoomsuuf tattaaffiin godhamaa jiru jajjabeessaa ta`uu agarsiisa.

Akka naannootti guddinni diinagdee jiraatus, baroota darban keessaa akka biyyittittis ta'e akka naannootti abootii qabeenyaa muraasa qofaan diinagdee naannichaa sochoosaa waan tureef uummataa hojii investimentii keessatti hirmaachisuu fi fayyadamaa taasisuun xiyyeeffaannoo cimaan hojjetamaa hin turre.

Rakkoo kana furuuf imaammatoota misoomaa naannichaa fedhii uummataa giddu galeessa godhatee fi uummatni hojiiwwan invastimentii adda addaa irratti akka hirmaatu jajjabeessuu fi deeggaru (people oriented policies) irratti xiyyeeffate diriirsuunii fi warraaqsa diinagdee eegalame karaa si'ataa fi haqa qabeessa ta'een hojii irra oolchuudhaan sochii hojii investimentii naannichaa keessatti uummataa hirmaachisuun galii nam-tokkee uummata naannichaa akka guddatuu gochuun barbaachisaadha.

3. Qusannoo fi Investimentii

Hojiin investimentii biyyaa ykn naannoo tokkoo karaa itti fufiinsa qabuun gaggeefamee jiruu fi jireenyaa uummataa fooyyeessuu kan danda'u baasiin gamaa mootummaanis ta'ee dhaabbilee dhuunfaa fi kanneen birootiin taasifamu qusatamee qabeenyii fedhii investimentii naannichaa simachuu danda'u yoo horatame qofaadha. Fedhiin bu'uraalee misoomaa fi horata dhaabii naannichaa babal'isuuf jiru ol-aanaa waan ta'eef fedhii kana guutuuf gahee qusannoon dinagdee naannichaa keessaa qabu guddisuun murteessaadha. Haaluma kanaan, gaheen qusannoon GDP naannichaa keessa qabu bara 2008 irratti %31.4 kan ture 2012 %30.1 irra kan jiru yoo ta'u gaheen inveestimentii GDP naannichaa keessaa qabu immoo 2008 itti %25.5 irra ture bara 2012 gara %21.6 gad-bu'ee jira.

4. Hiyyummaa Hir’isuu

Hiyyumman dhimmoota bu'uraa isa xiqqaa (minimum level) jireenya ilmoo namaaf barbaachisan argachuu ykn guuttachuu dadhuu irraa kan uumamudha Rakkoo kanaa fi dhiibbaa rakkoon hiyyummaa fidu hubachuudhaan mootummaan Itoophiyaas ta'e Naannoo Oromiyaa kaayyoolee imaammata misoomaa bocee hojii irra oolchaa jiru keessaa inni ijoon uummata gama hundaan hiyyummaa keessaa basuudha.

Haaluma kanaan, mootummaan karoora misooma yeroo giddu galeessaa qopheessun uummata naannichaa jireenya hiyyummaa keessaa baasuuf hirmaanna mootummaa fi uummataan, dhaabilee mit-mootummaa, gargaartoota misoomaa fi abbootii qabeenyaatiin hojiilee hedduun gaggeeffamaa turaniin’sadarkaan hiyyummaa naannichaagadi bu’aa jiraatus ammallee uummatani jireenya sarara hiyyummaa gadii keessa jiru hedduudha. Akkaataa sarveeyii "CSA"tti bara 2008 uummataa Naannoo Oromiyaa keessaa immoo %23.9 sarara hiyyummaa gadi keessa kan turedha.

Giraafii 2.1: Reetii Uummaata Naannichaa Sarara Hiyyummaa Gadii



Madda Ragaa:- Kan bara 2008 CSA, Kan bara 2009-2012 tilmaama KKMDO

Bara 2012 uummata naannichaa sarara hiyyuummaa gadii keessa jiru %21.4 akka gad-bu’u ni tilmaamama. Kun kan agarsiisu hojiiwwan hojjetaman kanaanis jijjiiramni jiraatu illee waggoota arfan darban (2009-2012) haalii uummata naannichaa sarara hiyyummaa gadii keessa jiruu ittiin xiqqaachaa turee giddu galeessaan waggaatii %2.7 ta’uu namatti agrsiisa. Kun immoo guddinni diinagdee jiraatus uummannii bu’aa guddina diinagdee naannichaa keessaa hanga barbaadame fayyadamaa akka hin taanee kan agarsiisu waan ta’eef misoona

diinagdee naannichaa bocamau karaa uummataa hirmaachisee fi fayyadamaa taasisu danda'u irratti xiyyeeffachuun qopheessuu fi gaggeessuun barbaadudha.

2.1.1 Hojii Dhabdummaa

Sadarkaan ciminaa fi dadhabbina diinagdee biyya tokkoo ittiin madaallamuu keessaa inni tokko sadarkaa hojii dhabdummaan biyyatti irra jirudha. Uummata biyya tokkoo umurii oomishtummaa keessa jiran keessaa hojii dhabdummaan uumamu %4-5 kan tilmaamamu yoo ta'e lammiin biyyittii umurii oomishtummaa keessa jiran hundi hojii akka qabaniitti (full employment) fudhatama. Akka biyyittis ta'e akka Naannoo Oromiyaatti hojii dhabdummaa xiqqeessun bu'uura imaammata diinagdee taasifamee irratti hojjetamaa tureeraa, hojjetamas jira.

Hojii dhabdummaa Naannoo Oromiyaa dhimma ilaaluun ragaan gahaa fi weyitawaa kan hin jirree yoo ta'u, ragaalee hojii dhabeeyyii magaalotaa "CSA" waggaa waggaan sassabamuu hanga bara 2010 fi kan baadiyaa immoo bara 2005 as waan hin jirreef safartuu bakka bu'uu danda'utti (proxy indicator) fayyadamuun sadarkaa hojii dbadummaan magaalaa fi baadiyaa naannicha karaa ibsuu danda'uun xiinxalli kun gaggeeffameera.

Haala kanaan, xiinxalli gaggeeffame kun akka agarsiisutti hojii dhabdummaan Naannoo Oromiyaa bara 2005tti % 3.0 (magaala %13.6 fi baadiyaa %1.5) ture bara 2012 immoo %6.0 (magaala % 18.1 fi baadiyaa %4) akka ta'u tilmaamama. Kun kan agariisu sadarkaan isaa wal haa caalu malee magaalaa fi baadiyyaa keessatti hojii dhabdummaan dabalaa akka jirudha. Sadarkaan hojii dhabdummaa naannichaa saalaan adda bahee yoo ilaalamu immoo magaalattis ta'e baadiyyaatti irraa caalaa saaxilamoo kan ta'an dubartoota. Dubartootni hojii dhabdummaaf saaxilamoo ta'an bara 2005 %6.9 turan bara 2012 %9.8 irra gahee jira. Hojii dhabdummaa dubartootaa kana magaalaa fi baadiyaan adda bahee yoo ilaalamu immoo bara 2005 kan magaalaa %23.9 fi kan baadiyaa %5.23 kan ture bara 2012 wal duraa duubaan %26.4 fi %7.2 akka ta'e bira gahameera.

Gabatee2.3: Sadarkaa Hojii Dhabdummaa Naannoo Oromiyaa Bara 2005-2012 (%)

Bara	**Magaalaa fi Baadiyaa**			**Magaala**			**Baadiyaa**		
	Walii gala	Dh	Dub	Walii gala	Dh	Du	Walii gala	Dh	Du
2007	4.81	2.14	8.22	15.5	9.6	22.6	3.23	1.08	5.96
2008	4.8	1.88	8.21	15.2	8.3	22.9	3.22	0.95	5.97
2009*	5.1	2.1	8.2	15.2	9.2	24.5	3.4	1.0	5.71
2010	5.9	2.6	9.6	18.0	11.0	26.1	4.0	1.3	7.06
2011*	5.8	2.5	9.5	17.7	10.4	25.9	3.9	1.28	6.91
2012*	6.0	2.6	9.8	18.1	10.6	26.4	4.0	1.3	7.2
G/g (2008-2012)	**5.5**	**2.3**	**9.1**	**16.8**	**9.9**	**25.2**	**3.7**	**1.2**	**6.6**

Madda ragaa: bara 2005,2006,2007,2008,2010 Ejensii Istaatiksii Giddu Galeessaa fi 2009,2011,2012 KMO

Hojii dhabdummaa akka babal'atu kanneen taasisan hojiin investiment babal’achuu dadhabuu, tasgabbiin nageenyaa dhibuu, guddina uummata fi caraan hojii uumamu wal-simuu dhabuu, dargaggoota baadiyaaf carraan hojii baadiyyaa keessatti uumamuu dhabuu fi dargaggootni baadiyyaa liqii argatanii hojii akka uummatan gochuuf dhaabbileen faayinaansii baadiyyaa (liqii fi qusannoo fi kkf) dhibuu, akkasumas barnootnii fi leenjiiwwan dandeettii hojii uumuu (entrepreneour ship trainings) dargaggootaa cimsan kennamuu dhabuu irraa kan ka'e aadaan hojii tuffachuun sammuu uummataa keessaa bahuu dhabuu fi kkf ta’a. Kanaafuu, mootummaa fi hawaasni fi haabbileen dhuunfaa fi deeggartootni misoomaa qindoominaan rakkoolee kan furuu irratti xiyyeechuun hojjechuun barbaachisaadha.

2.1.2 Qaala'insa Gatii

Baroota KGT-II keessa diinagdee gooroo naannoon tasgabaa'aa ta'e uumuudhaan qaala'insi gatii jireenya uummataa irratti dhiibbaa akka hin uumne karoorfamee hojjetamaa turamrus haalaawwan adda addaa kan akkaa hanqina sharafa biyyaa

alaa, dhabiinsa tasgabbii siyaasaan fi nageenyaan wal qabatee hojiin investimentii qabanaa'aa ta'uu, kan jirus humna xiqqaan sochuu fi sababa jijjiirama qilleensaa irra deddeebi'ee uumamuun oomishin qonnaa gahaan dhibuu irraa kan ka'e gatiin midhaan nyaataa, meeshaalee fi tajaajilootaa akka biyyaattis ata'e akka naannoo keenyaatti bara baraan ol ka'aa ture.

Waggoota shanan darban (2008-2012) keessa Naannoo Oromiyaatti qaalansi gatii gidugaleessaan kan waliigalaa (General Inflation rate) waggaa waggaan %14.32, midhaan nyaataa %14.75 fi kan mit-midhaan nyaataa %13.51 dabalaa tureera. Adeemsi dhufaatii qaala'insa gatii waggoota kudhanii darbanii kun olaanaa ta'uusaa kan ibsudha. Xiinxala kanarraa waanti hubatamu adeemsi dhufaatii dabala gatii waggoota shanaan KGT-II keessaa kan bara 2009 xiqqaa ta’u illee waggoottan afran dabran keessaa dabalaa kan ture ta’uu isaa fi keessumaa gatini midhaan nyaataa bara 2012 %23.88 ol-ka’ee jira.

Gabatee 2.4: G/G Dabala Gatii Fayyadamtoota (CPI) 2002-2012 %dhaan

Bara	Dabala Gatii Waliigalaa	Dabala Gatii Nyaataa	Dabala Gatii Mit- Nyaataa
2007	12.91	13.20	10.66
2008	9.91	13.29	7.84
2009	2.86	1.04	5.02
2010	12.43	11.71	13.23
2011	12.53	11.44	13.96
2012	18.26	23.88	11.36
G/G KGT-II	14.32	14.75	13.51

Madda Ragaa: Ejensii Istaatiksii Gidu-Galeessaa (CSA)

Akka waligalaatti, haalli reetii ol ka’iinsa gatii (inflation rate) ittiin adeemaa jiru jireenya uummata naannichaa ulfaataa taasisaa jiraachuu isaati. Adeemsa dabala qaala'insa gatii fayyadamtootaa kana xiqqeesuudhaan jireenya uummata naannichaa tasgabbeessuuf waggoota karooraa itti aanan keessatti oomishaalee midhaan nyaataa fi mit-midhaan nyaataa bal'inaan akka oomishaman gochuu,

warshaaleen jiran humna oomishuu isaanii akka dabalamu haala mijeessuu fi inveestimentiin warshaalee (manufacturing industries) irratti akka boba'amu kutannoo cimaadhaan hojjechuun oomishaalee alaa galu bakka buusuu fi walitti hidhamsa gabaa biyya keessaa fi alaa uumuu irratti xiyyeeffachuun hojjechuun murteessaadha.

2.1.3 Indeeksii Misooma Namaa (Human Development Index/HDI)

Indeeksiin Misooma Namaa agarsiistuuwwan ijoo (key composite indicators) dingagdee gooroo keessaa isa tokkodha. Kaayyoon isaas gama tajaajilaawwan adda addaatiin biyyii /naannoo tokko kennuun uummatni hagam fayyadamaa akka ta'ee fi jireenyii isaa akka fooyya'e kan agarsiisudha. Dhimmootni ittiin misoomni namaa kun safaraman hedduu ta'anis akka waliigalattii barnoota argachuu (education index), fayyaa qabaachuun umurii dheeraa jiraachuu (expected life index) fi galiin argatan jireenya bu'uuraa guuttachiisuu dandeessisuu fi dhiisuu isaa (income index) kan of keessattii hammatedha.

Indeeksiin misooma namaa naannichaa bara 2009tti 0.448, bara 2010 immoo 0.454 kan ture yoo ta'u bara 2012tti 0.466 akka ta'u ni tilmaamama. Kana irraa waanti hubatamu gama indeeksii misooma namaatiin naannichi sadarkaa gadi aanaa keessa jiraachuu isaati. Sadarkaa Indeksii Misooma Namaa naannichaa kana guddisuun kan danda'amu misooma haqa qabeessaa fi ittifufiinsaa qabu qabu gaggeessuudhaan uummata naannichaa gama hundaan fayyadamaa taasisuudha.

2.1.4 Faaynaansii Mootummaa/Public Finance/

Mootummaan Naannoo Oromiyaa mul'ata biyyoota galii g/galeessa jalqabaa (lower middle income) qabanii biraan gahuuf qabate galmaan gahuuf guddinaa ariifataa, ce'umsaa (transformation) fi haaromsa jalqabame fiixaan baasuuf karoora yeroo g/galeessaa fi gababaa yeroo adda addaa baasuun leecalloo madda adda adda irra argameen raawwachaa tureera.

Keessaayyuu, baajatni mootummaa, meeshaa imaammataa fi tarsiimoo misoomaa qophaa'an galmaan ga'uuf gargaaru keessaa isa tokkodha. Qabeenya maallaqaa gahaa qabaachuun, maallaqa argame karaa haqa qabeessa ta'een qooduu fi haala gahumsa qabuu fi bu'aa barbaadamu argamsiisuu danda'auun itti fayyadamuun galma gahiinsa maniiwwan karooraaf gumaacha ol'aanaa qaba.

Mootummaan Naannoo Oromiyaa erga ijaarame kaasee hanga ammaattii hojii bulchiinsaa, nageenyaa fi misoomaa deeggarsa baasii Mootummaa Federaalaa fi madda galii Mootummaa Naarnoo irraa argamuun gaggeessaa tureera. Haaluma kanaan, baroota KGT-II (2008-2012) keessa hojiilee misoomaa hawaas-diinagdee, bulchiinsaa fi nageenyaa raawwachuuf maallaqni guddaan karoorfamee hojii irra oolaa ture. Akkaatuma kanaan, yeroo tuqame kanatti deeggarsa baasii Mootummaa Federaalaa fi maddawwan galii Naannoo Oromiyaa irraa dimishaashaan maallaqinni qarshii biiliyoona 409.781 argachuuf karoorfame keessaa maddawwan hunda irraa kan argame qarshii biiliiyoona 315.69 (%77) qofaadha.

1. **Galii Naannoo**

Gosoonni madda galii Mootummaa Naannoo Oromiyaa galii taaksii, galii taaksii hin taanee, galii mana qoheessaa fi galii keessati. Waggoota shanan KGT-II keessa gosota galii kanneen irraa qarshii biiliyoona 178.2 sassaabuuf karoorfamee ture keessaa hanga xumura bara baajeta 2012 qr bil 96.53 (%54.17) qofatu sassabame. Galii kana keessaa gaheen galii taaksii qr bil. 67.97 (%70.41), galiin taaksii hin taane qr bil. 6.75 (%7), galiin Mana Qopheessaa qr bil. 14.9 (%15.44) fi galiin keessaa qr bil. 6.91 (%7.15) kan ta'uudha.

Gabatee 2.5: Galii Naannoo Oromiyaa 2008-2012 Sassaabame Qr. Biiliyoonaan

Gosa Galii	2007	2008	2009	2010	2011	2012	Ida `ama
Galii Idilee	9.164	10.445	10.596	13.334	16.207	18.664	69.245
Galii M/Q	2.242	2.289	2.438	2.852	3.469	4.014	15.062
Galii Keessaa	0.766	0.907	1.164	1.512	1.612	1.718	6.912
Ida'ama	12.172	13.641	14.198	17.698	21.288	24.396	91.219

Galiin maddoota galii naannichaa irraa walitti qabamu dabalaa dhufuu isaa kan agarsiisu ta’us haala sochii hojiiwwan investimentii fi qabeenya naannichi qabuun galiin mootummaa naannichaaf galu baayyee xiqqaa waan taa’eef gama kanaan dhimmoota hudhaalee ta’an adda baasuunii fi sassaabbii galii naannichaa fooyyeessuun galiiwwan sochiiwwan diinagdee naannichaa keessatti hammataman hunda irraa galiin harcaatii malee dugugamee akka galu gochuu irratti hojjechuun barbaachisaadha.

2. **Deeggarsa Baasii Mootummaa Federaalaa**

Gama uwwisa baajeta baasiitiin, waliigala baajeta Mootummaa Naannoo Oromiyaa waggoota shanan KGT-II keessaa gaheen deeggarsa baasii Mootummaa Federaalaa ol-aanaadha. Haaluma kanaan, deeggarsi baasii Mootummaa Federaalaatiin naannichaaf taasifamu waggaa waggaan g/galeessaan %7.15 guddachaa bara 2007 qr bil 20.20 kan ture 2012 qr bil 55.93 irra gaheera. Waliigalaan, baroota raawwii KGT-II (2008-2012) keessa deeggarsa baasii Mootummaa Federaalaa irraa qr bil. 231.62 ta’u argachuuf karoorafame keessa kan argame qr bil. 219.16 (94.6%) kan ta’u dha.

Gaheen deeggarsa baasii Mootummaa Federaalaa hundamtaa karoora galii MNO keessaa qabu xumura KGT-II tti gara %54.1tti gad-buusuuf karoorfamullee galiin naannicha irraa sassaabamu xiqqaa waan ta’eef gad-bu’uu hin dandeenye.

Kanaafuu, 2012 gaheen deeggarsa baasii mootummaa Feederaalaa hundamtaa baajeta naannichaa keessaa % 71 ta'u uwwisee jira.

3. Baasii Mootummaa Naannoo

Baajenni baasii Mootummaa Naannoo Oromiyaa waggoota KGT-II qr bil.298.17 dha. Baasiin Mootummaa Naannichaa waggoottan shanan darban kana keessaa qr bil.79.01 kan ta'u kan madda galii naannoo irraa argame yoo ta'u qr bil 219.16 immoo deeggarsa baasii mootummaa federaalaa irraa argamedha. Baajenni baasii mootummaa naannichaa baroota KGT-II keessaa giddugaleessaan waggaattii qr bil. 8.62 ykn %20 dabaluudhaan 2012 qr bil 78.89 irra gahe jira.

Waggoota shanan KGT-II (2008-2012) keessa waliigala baajeta baasii Mootummaa Naannoo Oromiyaa kana keessa baajenni baasii marmaartuu qr bil.209.15(%70) yoo ta'u qr.bil. 89.02 (%30) immoo baajetaa baasii kaapitaalaati. Hundamtaa baasii baajeta kana keessaa baajenni deeggarsa baasii Mootummaa Federaalaa qr bil.219.16 kan madda galii naannoo qr bil 79.01 dha. Kun immoo Yeroo raawwii KGT-II keessatti baajenni baasii madda galii naannoo giddu galeessaan waggaatti qr bil.15.8 kan tu'u dha.

Waggoottan shanaan KGT-II keessatti waaliigallii baajeta naannichaa bara baajeta 2007 irraatti qr bil.43.12n dabaluun dhuma 2012 qr. bil 78.89 irra gahee jira. Kana keessaa baajenni madda faaynaansii deeggarsa baasii Mootummaa federaalaa qr mil. 35.77n yoo dabalu kan madda galii naannoo immoo qr bil.11.44 qofaan dabalee jira. Sochiiwwan diinagdee naannicha keessa jiru waliin yoo ilaalamu baajenni naannichaa madda galii naannichaa irraa argameen uwwifamaa ture bara 2007 %34 irra kan ture 2012 madda galii naannootiin kan uwwifame %30 gadi xiqqaatee jira.Baasiin Waggaa naannichaa %70 ta'u deeggarsa baasii mootummaa federaalaa irratti kan hundaa'edha.

Gosa baajetaatiin yammuu ilaalamu waggoota shanan kana keessatti baajenni baasii marmaartuu kan 2007 irratti qr bil.31.76n kan dabale 2012 qr bil.54.46 yoo

ta'u baajenni baasii kaapitaalaa immoo qarshii bil 11.37 qofaan dabalee qr bil 24.43 ta'ee jira. Kun kan agarsiisu hundamtaa baajeta baasii mootummaa naannichaa waggoota shaman darbanii (2008-2012) keessaa guddinni dabluu baajeta baasii hojii investimantiif ramadamu xiqqaa ta'uu fi kan baajetaa baasiiin marmaartuu immoo guddaaisaati. Kun immoo kaayyoo mootummaan naannichaa qabatee jiru galmaa geessisuu irratti dhiibbaa kan uumuu ta'uu isaati, Kanaafuu, dhimma xiyyeeffannoo argatee fooyya'uu qabudha.

Hiyyummaa gamaa hundaa (multidimentional poverty) uummata naannichaa irra gahu xiqqeessuuf xiyyeeffanoon olaanaan hojjetamaa kan jiru keessaa inni tokko sektaroota hiyyummaa hir'isuu irratti hojjetaniif immaammata hiyyumaa gama hundaan jiru hir"isuu gara hojiitti akka jijjiiran gochuudha. Haaluma kanaan, waliigala baasii baajeta naannichaa waggoota KGT-II labsame keessaa %64 kan ta'u baasiiwwan sekteroota hiyymma hir'isaniif akka oolu ramadamee. Xiinxalli kun akka agarsiisutti baasiin baajetaa sektaroota hiyyummaa hir'isanii kan yeroo raawwii KGT-II kan yeroo KGT-I irraa %14 gad-xiqqaatee jira. Kun immoo imaammata mootummaan akka biyyaattis ta'e akka naannootti hiyyummaa hir'isuuf bocee hojii irraa oolchaa jiru irratti dhiibbaa kan qabudha.

4. Baasii Faayinaansii

Waliigala baajeta baasii waggoota shaman darbanii (2008-2012) qr bil 298.17 keessaa hojii irra kan oolee qr bil. 262.67 (%88.8) kan ta'u dha. Kanaa keessaa baasiin marmaartuu qr bil 198.36(%76) yoo ta'u, baasiin kaapitaalaa qr bil 64.31(%24) kan ta'u dha. Itti fayyadama baajeta sekteroota hiyyummaa hir'isanii baroota KGT-II keessa yoo ilaalamuu waaligala baajeta sekteroota kanaaf karoorfame qr bil.311.62 keessaa kan argame qr bil 177.46(%56.95) yoo ta'u maallaqa argame kan keessaa hojii irra kan oolee qr bil 136.52 (%76.93) dha. Baasii faaynaansii raawwate kana sekaterootaan adda bahee yoo ilaalamu kan sektera qonnaa %67, kan sektera bishaanii %75 kan sektera daandii %80, kan sektera barnootaa %77, kan sektera Fayyaa %84 fi kan Carraa hojii uumuu fi wabii nyaata magaalaa %79 kan ta'u dha.

2.2. Kilaastera Misooma Qonnaa fi Baadiyyaa

Misoomni sektera qonnaa wirtuu ykn uutubaa guddina diinagdee biyya keenyaa fi hiyyuummaa xiqqeessuuf shoora ol-aanaa kan taphatu ta'uu isaatiin bara 1983 irraa eegalee tarsiimoon misooma diinagdee guddina qonnaan durfamu gama mootuummaan diriiree itti hojjetamaa akka ture ni beekama. Tarsiimoo kana bu'ureeffachuun dameewwaan misooma qonnaa kanneen ta'an, misooma midhaanii, misooma beellaadaa fi hojii misooma qabeenya uumaamaa keessatti jijjirama bu'uraa fiduuf, karoora misoomaa yeroo gidduu galeessaa garaagaraa qopheeffachuun tattaffiin guddan taasifamaa ture jira.

Haa ta'u malee bu'aan raawwii gama oomisha fi oomIshtuummaa qonnaa saffisaa fi ittifufinsaan guddisuun wabii midhaan nyaataa mirkaneeffachuu fi oomishaalee qonnaa dheedhii galtee induustirii gahaa ta'e akka jiratu gochuun caaseeffama diinagdee keenyaa qonnaan durfamu irraa gara Induustiriittii ceesisuun, shoora sekterrii kun hiyyummaa hir'isuu keessaatti qabu akka bahu gochuun hin danda'amne.

Akka Oromiyaatti waggoottan kurnaan darban keessatti wabii midhaan nyaataa ilaalichisee, lammiileen nyaata gahaa hin arganne gidduugaleessaan mil 2.5 ta'an akka jiranii fi lammileen mil 1.5 gadi hin taane immoo gargaarsa guyyaa guyyaan kennamuu fi seeftineettiin hammatamanii hirkattoota gargaarsa mootummaa fi arjoomtotaa akka ta'an ragaan ni mul'isa.

Gama ce'umsa caasaa dinagdeetiinis, akkaataa imaammata misooma diinagdee irratti taa'een dhawataan qonna irraa gara Induustiriitti fiduuf Oomishaa fi oomishtummaa qonnaa guddisuun dhiyeessiin meeshaalee dheedhii qonnaa irraa Induustirii maniifaakcheringiitiif galtee gahaa akka ta'u gochuuf kallattiin qabamee kan hojjetamaa ture ta'us, gaheen oomishnii sektera qonnaa hundamtaa oomisha naannoo(GDP) akka waliigalaatti KGT-I keessatti %53 kan ture KGT-II keessatti gara %44.9 kan gad-bu'ee yoo ta'u, dameen Induustirii %14.4 irraa

gara %16.3 akkasumas dameen tajaajilaa %32.6 irraa gara %40 ol-guddatanii jiru.

Guddinni diinagdee kun jijjirama caasaa diinagdee kallattii yaadameen kan adeemsiisaa jiru ta'us, haala karoorfameen raawwatamaa akka hin jirree agarsiisa.Sababa kanaan adeemsa ce'umsa hojii dameewwan diinagdee oomishtummaa xiqqaa qaban irraa gara dameewwaan diinagdee oomishtummaa guddaa qabaniitti taasifamu dhugoomsuun hin danda'amne.

Akka waliigalaatti, diinagdee hundumtaa keessatti guddinni qonnaan galmaa'aa jiru harkifataa fi laafaa ta'u isaa xiinxala diinagdee gooroo bara 2010 irraa hubachuun ni danda`ama. Kanumaan wal-qabsiisuun sochiilee misoomaa bara KGT-II gama dameewwaan Misooma qonnaa kanneen ta'an, misooma midhaanii, misooma beellaadaa fi hojii misooma qabeenya uumaamaa taasifama tureen bu'aan dhufe maal akka fakkaatu gadi fageenyaan akka itti aanutti dhiyaatee jira.

2.2.1. **Misooma Midhaanii**

1. **Oomishaa fi Oomishtummaa Midhaan Gurguddoo**

Oomishaa fi oomishtummaa midhaan gurguddaatiin bara 2006/7 oomishni waliigala midhaan gurguddaa (kan gannaa fi arfaasaa) kuntaala mil 140.09 kan argame yeroo ta'u hojiiwwan bara KGT-II keessatti hojjetameen bara 2011/12 kunt mil 238.41 argachuuf manii taa'een oomisha kunt mil 175.35 argamee jira. Bara 2006/7 oomishtummaan midhaan gurguddaa yeroo gannaa hek kunt. 23.47 yoo ta'u kan gannaa fi arfaasaa walittii hek kunt.22.17 ture. Hojii KGT-II keessatti hojjetamuun bara oomisha 2011/12 oomishtummaa yeroo gannaa hektaaraan kunt. 37 fi kan gannaa fi arfaasaa kunt. 34.07 irraan gahuuf karoorfameera. Haa ta'uu malee raawwiin kun kan gannaa hektaaraan kunt.28.34 irra yeroo gahu kan gannaa fi arfaasaa walitti hektaaraan kunt.26.63 irra gahee jira.Oomishaa fi oomishtummaa midhaan gurguddoo(gannaa fi arfaasaa) bal'ina lafaatiin kan irra gahee jiru gabatee 2.6 gadii irratti agarsiifamee jira.

Gabatee 2.6: Lafa Oomishaa fi oomishtummaa Midhaan Gurguddoo

	Safartuu	Raawii 2006/07	2007/08		2008/09		2009/10		2010/11		2011/12	
			Kar	Raaw	Kar	Raaw	Kar	Raaw	Kar	Raaw	Kar	Raaw
Qonnaa Gannaa												
Lafa misoome	Hek mil	5.70	5.84	5.68	5.93	5.71	6.01	5.76	6.06	5.76	6.09	5.86
Oomisha argame	Kunt. mil	133.72	148.24	133.29	164.56	143.89	184.69	151.08	203.70	155.39	225.21	165.97
Oomishtummaa	kunt/hek	23.47	25.39	23.48	27.73	25.19	30.73	26.24	33.59	26.96	37.00	28.34
Qonnaa Arfaasaa												
Lafa misoome	Hek. mil	0.62	0.85	0.70	0.88	0.70	0.89	0.71	0.90	0.73	0.91	0.72
Oomisha argame	Kunt. mil	6.37	10.09	7.85	10.88	7.65	11.77	9.14	1.25	9.37	13.20	9.37
Oomishtummaa	kunt/he k	10.24	11.87	11.20	12.38	10.97	13.16	12.83	13.84	12.88	14.61	12.96
Waliigala (Qonnaa Gannaa fi Arfaasaa)												
Lafa misoome	Hek. mil	6.32	6.69	6.38	6.81	6.41	6.90	6.47	6.97	6.49	6.99	6.58
Oomisha argame	Kunt. mil	140.09	158.33	141.13	175.43	151.54	196.46	160.22	203.93	164.76	238.41	175.35
Oomishtummaa	kunt/he k	22.17	23.67	22.13	25.75	23.64	28.46	24.76	31.02	25.39	34.07	26.63

Madda: Ejensii Istaatistiksii Gidduugalessaa (2008-2012)

Misooma midhaanii qonna gannaas ta`e qonna arfaasaatiin lafti misoome, oomishnii fi oomishtummaan midhaanii argame yeroo KGT-II kanaa keessatti guddina ni galma`aa jedhame eegameen gad-ta`us jijjiiramni haga tokko ni jira.

Guddina lafa qotamee, Oomishaa fi oomishtummaa midhaan gurguddoo yeroo KGT-II kana keessatti yoo ilaalamu, lafti midhaan gurguddoon misoomu waggatti giddugaleessaan %2.06 akka dabalaa adeemu yaada keessa galchuudhaan oomisha midhaanii waggaatti giddugaleessaan %11.24 guddisuu fi oomishtummaa midhaanii waggaatti giddu galeessan %9 guddisuuf karoorfamee tureen lafti misoome waggaatti giddu galeessaan %0.81 oomishni argame waggaatti giddugaleessaan % 4.59(midhaan hagadaa fi biilaa % 4.44 midhaan dheedhii %1.15 fi midhaan dibaataa %3.89) fi oomishtummaan %3.73(midhaan hagadaa fi biilaa %3.46 midhaan dheedhii 1.87 fi midhaan dibaataa % 6.53) qofan akka guddachuun lafa hek. mil.6.58 irraa omisha kunt. mil. 175.35 fi omishtummaa hekt. tokko irra kunt. 26.63 argamaa kan jiru dha. Guddinni lafaa oomisha fi oomishtummaan KGT-II keessatti ture haala giraafii armaan gadiin ibsame jira.

Giraafii 2.2: Guddina Oomishaa fi oomishtummaa midhaan gurguddoo (2008-2012)



Madda: Ejensii Istaatistiksii Giddugaleessaa

Giraafii armaan olii irraa hubaachuun akka danda`ameetti oomisha fi oomishtummaan midhaan gurguddoo waggaatti guddina giddu galeessaa ni guddata jedhamee karoorfameen gadi akka guddachaa turee fi raawwiin guddina oomisha xumura KGT-II irratti galmaa'e guddina xumura KGT-I irratti galmaa`een gad-ta`ee mul'atee jira.

Gama biraatiin, oomisha midhaan gurguddoo akka biyyaatti oomishamaa jiru irra naannoo keenya gahe guddaa akka taphaachaa jiru beekamadha. Haa ta`u malee, qooda akka biyyatti qabdu yeroo gara yerootti gad-bu`aa dhufee jira. Bara ka`umsa KGT-II oomisha midhaan gurguddoo akka biyyatti oomishame keessaa %49.36 kan ta`u naannoo keenya keessatti oomisha mee kan ture ta`us bara dhuma KGT-II qoonni isaa gara %48.9 gad-bu`ee jira. Akkasumaas, uwwisa gosa misooma midhaaniitiin; miidhaan hagadaa fi biilaa, dheedhii fi dibaataa ka`umsa KGT-II walduraa duubaan %88.5, %8.9 fi %2.55 kan ture midhaan hagadaa fi biilaa gara %90 ol-yoo guddatu midhaan dheedhiin gara %7.8 fi dibaataa gara %2.5 gad-bu`ee jira. Lafa midhaan hagadaa fi biilaa, dheedhii fi dibaataan uwwifame bara 2008-2012 jiru gabatee 2.7 armaan gadii irratti ibsamee jira.

Gabatee 2.7: Gosa midhaan gurguddoo uwwisa midhaanii fi Lafa (%)

Gosa oomisha lee	Safaruu uwwisaa	2006/07	2007/08	2008/09	2009/10	2010/11	2011/12
Midhaan Hagadaa fi biilaa	Oomishaan	88.5	87.7	88.4	88.5	89.5	90
	Bal'ina lafaatiin	83.1	82.2	83.4	83.4	84.2	84.5
Midhaan Dheedhii	Oomishaan	8.99	9.6	9	8.8	8	7.8
	Bal'ina lafaatiin	11.2	12.3	11.7	11.4	10.8	10.8
Midhaan Dibaataa	Oomishaan	2.55	2.6	2.5	2.7	2.5	2.2
	Bal'ina lafaatiin	5.7	5.5	4.9	5.2	4.9	4.6

Madda: Ejensii Istaatistiksii Giddugaleessaa

Gabateen 2.7 akka agarsiisutti KGT-II keessatti gaheen midhaan biilaa fi hagadaa oomishan %0.28 fi uwwisa lafatiin %0.33 giddu galeessan waggatti kan guddate yoo ta`u, gaheen midhaan dheedhii oomishan % 2.87 fi uwwisa lafaatiin %0.91

fi gaheen midhaan dibaataa oomishan %0.5 fi uwwisa lafaatiin % 3.7 gadi hir`atee kan jirudha.

2. Oomishaa fi Oomishtummaa Midhaan Hiddaa, Kudraa, Mudraa fi Jallisii

Misooma midhaan gurguddoo cinaatti misooma midhaan hiddaa, kuduraa fi muduraa bal'inaan kan oomisha maa jiru yoo ta'u midhaan kun rooba yeroo gannaa, arfaasaa fi misooma jallisiitiin kan misoomaa jiru dha. Dhuma KGT-II misooma midhaan hiddaa, kuduraa fi muduraa adda addaa lafa hek mil.0.223 irratti misoomsuun oomisha waliigala kunt.mil 55.375 irraan gahuuf kan karoorfamee ture yoo ta'u 2012 lafa hek.mil. 0.33 misoome irraa oomishtummaan hek.kunt. 95.63 argachuun oomisha waliigala kuntaala mil.31.62 argamee jira. Kana jechuun oomishtummaan midhaan kuduraa, hiddaa fi muduraa bara ka`umsa KGT-II irraa giddu galeessan %11.43 gad-bu`ee jira. Karooraa fi raawwii lafa, Oomishaa fi oomishtummaa midhaan hiddaa, kuduraa fi muduraa KGT-II keessa ture gabatee 2.10 armaan gadii keessatti ibsamee jira.

Gabatee 2.8: Karooraa fi Raawwii Lafa, Oomishaa fi oomishtummaa midhaan hiddaa, kuduraa fi muduraa.

	Saf	2007	2007/08		2008/09		2009/10		2010/11		2011/12	
		Raaw	Kar	Raaw	Kar	Raaw	Kar	Raaw	Kar	Raaw	Kar	Raaw
Lafa misoome	Hek mil	0.17	0.15	0.20	0.17	0.21	0.18	0.20	0.20	0.30	0.22	0.33
Oomisha argame	Kunt. mil	30.66	15.18	20.53	38.49	22.96	43.48	23.04	49.06	31.16	55.38	31.62
Oomishtummaa	kunt/hek	176	152	104	230	109	236	113	242	103	248	95.63

Madda: Ejensii Istaatistiksii Giddugaleessaa

Gama misooma jallisiitiin naannoon keenya lafa waliigalaa qabdu keessaa hek. mil 4.5 kan ta'uu misooma jallisii adda addaatiif kan ooluu danda'u akka ta'e qorannoon garaagaraa ragaa ni baha. Kana keessaas, hanga xumura KGT-II tajaajila jallisii gosa garaagaraatiif kan oole jiru lafa hek mil 0.565(12.56%) qofa akka ta'e ragaan ni mul'isa. Waggoottan KGT-II misooma jallisii irratti xiyyeeffachuun lafa, Oomishaa fi oomishtummaa ka'umsa KGT-II irratti

walduraa duubaan lafa hek mil 1.48, oomisha kunt mil. 167.15 fi oomishtummaa hek kunt 112.9 ture dhuma KGT-II lafa hek mil. 2.58 misoomsuun oomisha kunt mil. 478.1 fi oomishtummaa kunt 185 ol-guddisuuf karoorfamee hojjetamaa tureen lafti fi oomishni waggaatti giddu galeessan %14.84 fi %6.86 waldura duubaan gad-bu'uun lafa hek mil. 0.565 misoome irraa oomisha kunt mil. 92.756 si'a ta`u; oomishtummaan garuu waggaatti giddu galeessan %9.37 guddachuun hekt. irraa kunt 164.17 argamuun danda`amee jira. Giraafonni 3 fi 4 armaan gadii lafa jalliisiitiif oolee fi Oomishaa fi oomishtummaa kan agarsiisudha.

Giraafii 2.3: Karooraa fi raawwii lafa misooma Jallisii (2008-2012)



Hojiin misooma jallisiitiin hojjetamaa ture haala karooraatiin fooyyee haaqabatu malee bishaan lafa jalaa, lafa irraa fi roobaa kuusuun lafa jallisiif oolu duguuganii fayyadamuu dhabuun oomisha fi oomishtummaan misooma jallisii dilbii/pootenshaala jiru waliin yeroo ilaalamu hanga barbaadamu deemuun hin danda`amne. Galma gahinsa hojii kanaaf rakkoon ture; harkifannaa ijaarsa pirojeektota jallisii, rakkoo bulchiinsa itti fayyadama maddoota bishaanii fi

iskiimota jallisii, harkifannaa hojii qorannoo fi dizaaynii ijaarsa Pirojeektota jallisii, iskiimota jallisii tajaajila addaan kutanii yeroon suphuun tajaajilatti deebisuu dhabuu, hanqina hubannoo fi itti amanuu dhabuu qonnaan bultootaa akka ta`e ragaan ni agarsiisa. Kanaaf pootenshaala misooma jallisii jiru duguuganii fayyadamuuf jallisii gurguddaa fi giddu galeessaa irratti xiyyeeffachuu qorannoo ga'umsa qaburratti hundaa'uudhaan jallisiin gaggeeffamu jaluma jalaan tajaajilaaf oolaa akka adeemu gochuudhaanis osoo ijaarsi hin xumuramiin gara oomisha tti galchuu fi bulchiinsaa fi suphaa iskiimotaa bira darbee jallisii babal'isuuf akka danda'amu fayyadamtoota jallisii irraa haalli ittiin galiin sassaabamuu danda'u diriirsuun barbaachiisaa dha.

Giraafii 2.4: Oomishaa fi oomishtummaa misooma jallisii (2008-2012)



Maddi: Abba Taaytaa Misooma Jallisii fi Biiroo Qonnaa fi Qabeenya Uumama Oromiyaa

3. Misooma Midhaan Induustirii fi Al-Ergee

Oomishini midhaanii akka naannootti oomishamu wabii midhaan nyaataa mirkaneessuu bira darbee sharafa biyya alaa guddisuu fi galteewwan oomisha induustirii keessatti shoora isaa akka bahuuf baroota KGT-II keessatti hojiin hojjetama ture jira. Haaluma kanaan midhaan Induustirii ka'umsa bara oomisha KGT-II lafa hek mil 1.17 irra ture waggaa waggaadhaan %2.2 guddisuun bara dhuma KGT-II lafa hek mil 1.31 irraan gahuuf, akkasumas oomisha kunt mil 28.72 ture waggaa waggaadhaan %10.37 guddisuun kunt mil 47.02 argachuuf karoorfamee hojjetamaa tureen lafa hek mil 1.31 misoomsuun oomisha kunt mil 40.5 omishuun danda`ameera. Kunis oomishtummaa midhaan Induustirii bara ka'umsa KGT-II hek kunt 24.46 kan ture dhuma KGT-II hektaara irraa kuntaala 35.94 ol-guddisuuf karoorfamee hek irraa kunt 31 akka oomishamu danda`u ta'eera.

Gama biraatiin, misooma midhaanii gatiin isaanii gabaa irratti foyyee qabaan oomishuun qonnan bulaan gatii foyyaa'aa argachuun jiruu fi jireenya isaa akka foyyeessuu fi diinagdee biyya keessatti gahee isaa akka taphatuu gochuuf midhaan al-ergee ka'umsa bara oomisha KGT-II keessatti lafa misoome hek kuma 339 oomisha hektaara irraa kunt 15.8 argachaa waliigala oomisha kunt mil.5.36 kan ture waggaa waggaan lafa %5.43 oomisha %15.08 fi oomishtummaa %9.16 guddisuun bara dhuma KGT-II lafa gara hek kuma 441.72 oomisha gara kunt mil. 10.82 akkasumas, oomishtummaa kunt 24.48 irraan gahuuf karoorfamee raawwatama tureen lafa hek kuma 257.3 misoomsuun oomisha kunt mil 3.54 kan argame yoo ta`u kunis hektaara tokkotti oomishni kuntaala 13.76 argamee jira.

Gabatee 2.9: Karooraa fi Raawwii Oomishaa fi oomishtummaa Midhaan Induustirii fi Al-ergee

		2007/08		2008/09		2009/10		2010/11		2011/12		Guddina [%]
	Raaw. 2007	Karoora	Raawwii	Karoora	Raawwii	Karoora	Raawwii	Karoora	Raawwii	Karoora	Raawwii	
Midhaan Induustirii												
Lafa (hek. mil.)	1.17	1.21	1.19	1.24	1.21	1.27	1.23	1.29	1.28	1.31	1.31	2.17
Oomisha (kun. mil)	28.72	32.15	28.86	35.52	31.46	39.10	31.91	39.96	44.64	47.02	40.5	7.12
Oomishtm. (kun/hek)	24.46	26.59	24.27	28.58	25.95	30.87	25.85	31.55	34.79	35.94	31	4.85
Midhaan Al-ergee												
Lafa (hek)"000"	339.1	366.5	309.8	389.8	239.7	410.5	268.96	419.56	271.99	441.72	257.3	-5.37
Oomisha (kun. mill)	5.36	6.54	5.00	7.74	4.23	8.76	4.89	8.95	13.87	10.82	3.54	-7.95
Oomishtum. (kun/Hek)	15.8	17.84	16.14	19.85	17.66	21.33	18.20	21.80	50.99	24.48	13.76	-2.7

Madda: Biiroo Qonnaa fi Qabeenya Uumamaa

4. Misooma Bunaa

Lafa Oomishaa fi oomishtummaa bunaa waggoottan KGT-II keessatti walduraa duubaan waggaan %15.94, % 27.33 fi %9.83 guddisuuf karoorfamee hojjetamaa kan ture yoo ta`u akka ragaan CSA irraa argame ibsutti waggoottan shanan darbee keessatti lafti giddugaleessaan %6.47 oomishni %4.14 kan dabalee fi oomishtummaan garuu % 2.11 kan gad-bu`e si'a ta`uu lafa hekt.mil 0.52 irraatti oomisha kunt.mil.3.51 fi oomishtuummaa kunt. 6.75 kan argame ta`u agarsiisa.

Sababa oomishaa fi oomishtummaan bunaa gad-bu'eef; bunni naannoo keenya keessatti argamu %30 ol kan ta'u buna dulloomaa waan ta`eef haareessuu irratti xiyyeeffannoon hojjetamuu dhabuu, tamsa'inni roobaa wal-qixa ta'uu dhabuu irraa kan ka'e oomishni bunaa iddoodhaa iddootti garaagarummaa qabaachuu, yeroo bunni daraaruu bishaan jallisiitti fayyadamuu dhabuu, babal'ina dhibee bunaa fi rakkoo jijjiirama qilleensaan wal-qabatee ka'uudha.

Guddina diinagdee biyyaa fi naannoo keessatti dameen qonnaa shoora ol-aannaa kan qabu yoo ta`u oomishaalee qonnaa gara biyya alaatti ergmuun sharafa biyya alaa argamsiisan keessaa bunni isa tokkoo fi sadarkaa jalqabaa irratti argama.Buna gabaa addunyaatti dhiyaatu keessaa biyyi keenya %3 dhiyeessuun waggaatti sharafa biyya alaa doolaara Amerikaa mil. 837 olitti akka argachaa jirtu ragaan ni agarsiisa. Bara 2009/10 keessa waliigala galii oomishaalee al-ergee qonnaa irraa biyyi keenya argattuu %78 yoo ta'u kana keessaa galiin sharafa biyya alaa oomisha bunaa irraa argamu %43 akka ta`e ragaan Global agricultural information network /GAIN Report Number: ET 1904) ni ibsa.

Naannoon keenyaas Buna akka biyyaatti oomishamu keessaa %70 ol ta'u gumaachuun sadarkaa ol-aanaa qabattee kan jirtu yoo ta'u, akka biyyatti oomisha gabaatti dhiyaatu keessaa %60 ol kan ta'u naannoo keenya irraa dhiyaata. Haaluma kanaan naannoon oromiyaa bara 2007 buna gabaa giddu galeessaaf dhiyaate toonii kuma 174.8 irra kan ture giddugaleessaan waggaatti %28.96

guddisuun dhuma KGT-II toonii kuma 623.4 irraan gahuuf karoorfame keessaa tooniin kuma 141.4 gabaa giddu galeessaaf kan dhiyaate yoo ta`u raawwiin isaa ka`umsa KGT-II irraa %4.16 hir`ina agarsiise jira.

Giraafii 2.5: Lafa, oomishaa fi oomishtummaa bunaa(2008-2012)





Madda: Ejensii Istaatistiksii *Gidduegalessa*

Bunni Gabaa giddugaleessaaf dhiyaacha ture raawwiin kun gad-bu'eef oomisha leen qul-qullina dhabuu, gatiin oomishaalee gabaa addunyaa irratti gad-bu'uu, daldalli seeraan alaa yeroodhaa gara yerootti dabalaa deemu, sirni odeeffannoo gabaa waalta'aa fi haqummaa qabu madda tokkoorraa ykn iddoo walfakkaatu irraa kennamuu dhabuu, gabaa gahaa barbaaduu fi oomisha beeksisuu

dhabuu,sirni odeeffannoo gabaa teknoolojiin deeggaramuu dhabuu fi gatii oomisha biyya keessatti dabalaa deemaa kan jiru faadha.

Giraafii 2.6: Buna gabaa giddugaleessaaf dhiyaate



Madda: Abbaa Taaptaa Misooma Bunaa fi Shaayii fi Biiroo Qonnaa fi Qabeenya Uumamaa Oromiyaa

5. Dhiyeessii fi Ittifayyadama Callaa Guddistuu fi Teknoolojii Qonnaa

Ittifayyadama callaa guddistuu fi ittifayyadama teknoolojii qonnaa alatti oomisha fi oomishtummaan qonnaa dabaluun kan hin yaadamne dha. Haa ta`u malee karoora KGT-II keessatti oomisha fi oomishtummaan midhaan gurguddoos ta`e Oomishaa fi oomishtummaa midhaan hiddaa, kuduraa fi muduraan akkasumaas misooma jallisii karoorfamee hojjetamaa kan ture ta'us akkaataa karoorfameen raawwatamaa akka hin turre raawwii irraa hubatamee jira. Sababni isaas bu`urrii Oomishaa fi oomishtummaa inni guddaan ittifayyadama callaa guddistuu fi ittifayyadama teknoolojii adda addaa ta`us yeroo KGT-II kana keessattii ittifayyadamni isaa dadhabaa akka ta`e ragaan ni agarsiisa. Kanaafiis sababoota adda addaa kan jiran ta`us, isaan keessa callaa guddistuun yeroo isaa eeguun gosa, qul-qullinaa fi baay`ina barbaadamuun iddoo barbaachisutti dhiyaachuu dhabuu,

gatii callaa guddistuu dabalaa deemuun humna bittaa qonnaan bulaa ol ta`uusaa keessattuu gatii sanyii filatamaa, haala jijjiirama qilleensaa, sirna liqiin bittaa callaa guddistuu qonnaan bulaaf jiraachuu dhabuu oomisha fi oomishtummaan haala barbaadameen akka hin adeemneef hudhaa guddaa ta'ee mul'ateera.

Dhimmoota kana waliin walqabate ittifayyadama xaa`oo keenya yoo ilaallu jalqaba KGT-II ykn 2007 kuntaala mil 2.91 irra kan ture xumura KGT-II kuntaala mil.5.1 irraan gahuuf karoorfamee dhuma KGT-II irratti kuntaala mil. 4.95 irra gahee jira.

Gabatee 2.10: Karooraa fi raawwii ittifayyadama xaa'oo keemikaalaa

Ittifayyadama Xaa`oo	Safa.	2006 /07	2007 /08	2008 /09	2009 /10	2010 /11	2011 /12	Guddina waggaatti (%)
Karoora xaa`oo	kun. Mil		3.62	4.11	4.26	4.8	5.1	11.83
Raawwii Xaa`oo	kun. Mil	2.91	2.89	3.01	3.53	4.16	4.95	11.21

Madda: Ejensii Istaatistiksii Gidduugaleessaa (CSA)

Waggoottan KGT-II keessatti hangi xaa`oo hojii irra oole waggaatti giddu galeessaan %11.21 dabalaa haa dhufu malee lafa hek tokko irratti giddu galeessaan akkaataa istaandardii taa'een (lafa hek tokkorratti Blended NPS kg 100 fi UREA kg 100) gaditti xaa`oo kg 130 faayidaa irra oolaa akka ture ragaan ni mul`isa. Xaa`oon dhiyaatee hojii irra oole keessaa xaa`oo gosa adda addaa giddu galeessaan % 95.1 kan ta`u misooma midhaan yeroo gannaa hojii irra kan oole yoo ta'u kana keessaa xaa`oon %88.2 kan ta`u midhaan biilaa fi hagadaaf kan oole ta'uu agarsiisaa. Hojii irra oolmaan xaa'oo lafa hektaaraan akkuma jalqaba KGT-II duraa fi booda waliin yeroo ilaalamu dabalaa haadhufu malee ammallee haala qabatama istaandardii ittifayyadama xaa'oo eegamuun raawwatamaa kan hin jirre ta`u mul'isa.

Gama biraatiin ittifayyadama sanyii filatamaa fooyyessuuf sochii gama adda addaan taasifamaa tureen sanyiin filatamaa waldaalee hojii gamtaa, inveesteroota

dhuunfaa fi Interpiraayzii sanyii filatamaa Oromiyaatiin baay'atu qul-qullini isaa mirkana`ee akka dhiyaatu haalli kan mijaa'e ta'us raawwiin ittifayyadamaa baay'ee gad-bu'aa dha. Haaluma kanaan, bara ka`umsa KGT-II sanyiin filatamaa gosa adda addaa kuntaala kuma 660.41 irra ture dhuma KGT-II kuntaala mil 1.328 irraan gahuuf karoorfamee hojjetamaa kan tureen sanyii filatamaa (C1+C2) kuntaala kuma 475.8 dhiyaatee faayidaa irra oolee jira. Ittifayyadamni sanyii filatamaa kun ka`umsa KGT-II irraa % 6.34 hir`atee jira. Giraafii 2.7 armaan gadii ittifayyadama sanyii filatamaa baran kan agarsiisudha.

Giraafii 2.7: Karooraa fi raawwii ittifayyadama sanyii filatama



	2007	2008	2009	2010	2011	2012
karoora		0.759	0.873	1.004	1.155	1.328
raawwii	0.66	0.238	0.33	0.345	0.545	0.476

Madda: BQQU ,2012

Ittifayyadama keemikaalota adda addaa farraa haramaa, dhibee fi ilbiisota KGT-I keessaa lit/kg mil 1.41 lafa hek mil 2.13 irratti kan fayyadamame yoo ta'u balaa sababa aramaa, ilbisaa fi dhibeen dhufu hir'isuun Oomishaa fi oomishtummaa qonnaan bulaa guddisuuf dhuma KGT-II giddugaleessaan waggaattii %12.18 guddisuun lit/kg mil 2.51 irraan gahuuf karoorfamee keemikaala gosa adda addaa lit/kg mil 1.56 lafa hek mil 2.47 irratti fayyadamuun danda`amee jira. Kunis

ittifayyadamni keemikaalaa waggaatti giddugaleessaan %2.04 qofan daballii kan agarsiise dha.

Kana malees, Oomishaa fi oomishtummaa qonnaa keenyaa dabaluu fi qonnaa ammayyaawaa makaanaayzeeshiniin deeggaramee akka hojjetamu taasifameen bara ka`umsa KGT-II lafa hek 139,071 tiraakteraan kan qotamee ture yoo ta`u, xumura KGT-II irratti lafti tiraakteraa 2,546 qotame lafa hek 740,134 irraan gahuun danda'amuus lafa waliigala bara oomisha qotame irraa lafa %10.2 kan hin caalleetu tiraakteraan qotamuu agarsiisa. Kombaayneraan fayyadamuun midhaan haamuu fi dhahuun walqabatee bara 2008/09 ooyiruu qonnan bulaa lafa hek 239,448 irraatti kombaayneraan kan fayyadaman yoo ta`u bara 2011/12 lafa hek 400,000 ykn lafa waliigala bara oomisha  irraa %6.1 kan hin caalleetu kombaaynera 405 ta'u  fayyadamuun haamame dhahamuu danda`amee jira.

Waliigala Qonnaan bulaa makaanaayzeeshiniitti fayyadamee fayyadamtoota 58,320 ykn qonnaan bulaa qonnaa irratti hirmaate keessaa qonnaan bulaa %1.38 kan hin caalleetu makaanaayzeeshiniin fayyadamuu danda'ee jira. Sababa kanaanis,qisaasamni oomisha sabsiin boodaa %30 tilmaamamu hir`isuu keessatti qoonni jiru dadhabaa ta`uusaa qorannoon ni agarsiisa.

Naannoon keenya naannoo roobni itti heddumatutti lafti qonnaa hedduminaan dhangaggaa`ummaa biyyeetiin hubamurraan kan ka`e oomisha fi oomishtummaan hanga eegamu gaditti argamaa jiraachuun ragaan ni agarsiisa. Bu`uruma kanaan bara ka`umsa KGT-II nooraan oomishamee dhiyaatee hojii irra oole kunt kuma 24.49 lafa hek. 400 irratti yoo ta'u hanga bara xumura KGT-II nooraan oomisha mee tajaajilaaf oolchuuf karoorfamen nooraa kunt kuma 161.87 lafa hek 7,045 irratti fayyadamuun danda'aamee jira.

Hojiin dhangaggaa`ummaa biyyee xiqqeessuuf hojjetame haala karoorfameen yoo ilaalame fooyyee haaqabaatu malee akka qorannoon agarsiisuutti lafti hek mil 1.7 ta`u dhangaggaa`ummaa biyyeetiin kan hubamee yoo ta`u hojiin

hojjetamaa jiruun tarkaanfiin fudhatamaa jiru dadhabaa dha. Kanaaf sababa kan ta`e warshaaleen yeroo amma nooraa oomishudhaan dhangaggaa'ummaa biyyee kana yaaluuf hojii keessa jiran fedhii fi haala rakkinichi babal'achaa jiruun waliin nooraa dhiyeessuu waan hin dandeenyeef dhiibbaan karaa kanaan jiru itti fufe jira. Kanaafuu qaamnii hojii kana keessatti qooda qabu qindoominaan tumsuun balaa haammaataa Oomishaa fi oomishtummaa lafaa irratti dhufuu danda'u irraa hambiisuun barbaachisaa dha.

6. Tajaajila Eksiteenshinii Qonna Midhaanii

Tajaajila eksteenshinii qonnaa qonnan /horsisee bulaa hundaa waliin gahuuf wirtuleen leenjii gandoota 6,447 keessatti waliin gahuuf hojjetama tureera. Wiirtuleen leenjii hanga dhuma bara 2012tti 5,759 irra gahuun danda'amee jira. Kenniinsa tajaajila ittifayyadama eksteenshinii qonnaa 2012 keessa, qonnan / horsisee bulaa mil.10.03 (qonnaan /horsiisee bulaa abbaa warraa mil.4.23; dubartoota abbaa warraa qaban mil. 3.79 fi Dargaggoota mil. 2) ta'aniif kennamee jira.

Dabalataan, sirni kenninsa tajaajila eksiteenshinii keenya yeroo ilaallu; waggoota KGT-II keessatti lafa waliigala misoome keessaa giddugaleessaan lafti %19 paakeejii guutuutiin akka m isoome fi qonnaan/horsiisee bultoonnii waliigala misooma midhaanii irratti hirmaatan keessaa giddugaleessaan qonnaan bultoota baay`inni isaanii %42.8 kan hin caalletuu sagantaa eksiteenshinii paakeejii guutuu irratti kan hirmaatan yoo ta`u qonnaan/horsiisee bultoonnii hedduun isaanii sababoota adda addaatiin paakeejii eksiteenshinii irratti akka hirmaacha hin jirre dha.

Gabatee armaan gadii keessatti akka ibsametti HMH ganda keessa taa`anii ykn jiraatanii qonna/horsiisee bultootaaf tajaajila guutuu ta'e kennuu irratti laafaa dhufuu (bara 2007 irratti HMH tokko Q/H/bulaa 203 kan kennaa ture bara 2012 gara 219 ol kan guddatee ta`uu fi gandootiin 1,281 mana jireenya hojjettoota misooma hundaa waan hin qabneef q/h/bulaa itti siqanii tajaajiluu dhabuu fi iddoo manni jireenya HMH jiraatus ganda keessa ta`uun q/h/bulaa tajaajiluu dhabuu) fi wirtuun leenjii qonnaan/horsiisee bultootaa sirna diriiree jiruun tajaajila kennuu dhabuu irraa kan ka`e qonnaan/horsiisee bultoonnii kenninsa

sagantaa eksiteenshinii paakeejii sababa hubannoo dhabuu %8.41fi dhabinsa sagantichaatiin hirmaachuu dhabuun %8.37 dabalaa akka dhufee fi duraan hanqina mallaqaa sababa kan ta`aa ture %6.84 gad-bu`aa akka jiru agarsiisa.Walumaagala Oomishaa fi oomishtummaa midhaanii hammayyeessuuf hojiin hojjetamee fi deeggarsi godhamaa jiru dadhabaa ta'uu isaati.

Gabatee2.11:Hirmaannaa Qonnaan/horsiisee bulaa tajaajila eksiteenshinii paakeejii (%)

Sababoota Sagaanta eksiteenshiniitti hin fayyadamneef	Baroota				
	2008	2009	2010	2011	bara 2012
Hubannoo dhabuun	9.60	10.72	11.66	12.23	8.41
Hanqina maallaqaan	38.06	34.83	31.13	30.77	6.84
Shakkii sagantichaa irra qabuun	13.58	14.09	13.00	15.75	16.5
Dhabiinsa Sagantichaan	10.93	12.73	13.09	13.91	15.1
Dhabinsa lafa gabbataan	17.72	19.47	20.85	17.59	8.37
Sababoota birootiin ("Demonistration site" dhabuu, eeggattummaa jiraachuu…)	10.11	8.17	10.26	9.76	9.6

Madda: Ejensii Istaatistiksii Giddugaleessaa (2008-2012)

7. Misoomaa fi Eegumsa Qabeenya Uumamaa

Oomishaa fi oomishtummaa misooma qonnaa guddisuuf hojiin ittisa biyyee fi bishaanii irratti xiyyeeffatamee kan hojjetamaa ture yoo ta'u karoora ittifayyadama lafa sadarkaa "sub-basin"tiin qophaa'e bu'ura godhachuudhaan waggoottan KGT-II sululoota gurguddoo fi xixiqqaa sadarkaa gandaa fi isaa gadiitti jiran keessatti hirmaannaa hawaasaatiin hojii istiraakcheroota ittisa biyyee fi bishaanii gosa adda addaa sululoota 25,240 bal`ina lafa hektaara mil 9.59 irraatti adda bahee hojjetamaa tureera.

Gama biraatiin uwwisa bosonaa babal'isuuf KGT-II keessatti biqiltoota gosa adda addaa bil 21.149 dhaabuuf karoorfame keessaa bilqiltoota bil 12.94 lafa hektaara mil 1.994 irratti kan dhaabate yoo ta'u, latinsi biqiltoota dhaabbate kun akkaataa ragaa bulchiinsa naannootiin %79 kan agarsiisu ta`u illee akka ragaa qorannoo sadarkaa biyyoolessatti gaggeeffame agarsiisutti naannoon keenya %54 akka ta`e

agarsiisa. Haaluma kanaan misoomaa fi kunuunsa bosonaa fooyyessuun uwwisni bosonaa ka`umsa KGT-II irratti %15 irra kan ture dhuma KGT-II irratti %20 irraan gahuun danda`amee jira.

Hojiin kunuunsaa fi eegumsa qabeenya uumamaa yeroo KGT-II keessatti hirmaannaa hawaasa bal'aa kan gaggeeffamaa ture ta'us, karooraan gadi hojjetamu qofaa osoo hin taane hojiin bifa duulaan waan hojjetameef bakka baay'eetti qajeeltowwan misooma eegumsa naannoo hordofee bifa saayinsaawaan hojjetame hin turre. Kanneen hojjetamaniifis kunuunsi barbaachisaa ta'e godhamaafii kan hin turre waan ta'eef dandeettiin dandamachuu xiqqaa akka ta`e xiinxalli jiru ni agarsiisa.

Gama biraatin, faalama naannoo gataa dhangala'aa fi goggogaa warshaalee adda addaa keessaa bahuun dhiibbaa namootaa fi qabeenya naannoo irra gahaa ture hir'isuuf bara ka`umsa KGT-II keessa warshaalee gosa adda addaa 2,390 ta'an irratti to'annoo fi hordoffii gaggeessuun rakkoo faalama qilleensa naannoo hanbisuuf karoorfamee hojjetamaa tureen dhuma KGT-II warshaalee 3,467 irratti to'annoo fi hordoffii gaggeeffameen warshaalee istaandaardii akka biyyaatti taa'e kan hin guutiin 62 akka cufamu ta`ee jira. Akkasumas faalama naannoo gama Pirojeektotaan dhufan xiqqeessuuf bara ka`umsa KGT-II Pirojeektota hojiin isaanii naannoo irratti dhiibbaa geessisu jedhamanii yaadaman 1,062 kan qorataman yoo ta'u xumura KGT-II Pirojeektota1,600 dhiyaataniif dookimentii qorannoo sakatta'insa dhiibbaa naannoo dhiyaatu irratti xiinxala gaggeessuuf karoorfameen dookimentii 3,523 dhiyaate xiinxalamee hayyamni hojii jalqabbii kenname jira.

Walumaagala, to'annoo fi hordoffii eegumsa naannoo dhabbilee oomisha fi pirojeektota misooma adda addaa irratti taasifamee fi qorannoo sakatta'insa dhiibbaa naannoo hojiitti osoo hin galle gageessuun mancaa'insii fi faalamni naannoo xiqqaachaa dhufuun komiin uummata bira bal`inaan dhiyaachaa ture xiqqaachaa dhufee jira.

Gama biraatiin biyyi keenya misooma diinagdee magariisaa dhugoomsuuf sochii taasifamaa jiru milkessuuf hojiiwwan misoomaa karoorfaman keessatti tarsiimoon kun akka lafa qabatuu fi gad-lakkisa gaazii mitteenii fi kaarboonii (methane and carbon emission) bifa xiqqeessuun danda'amuun hojiiwwan adda addaa hojjetama tureera. Haaluma kanaan, waggoota KGT-II keessatti gad-lakkisa gaazota hoo'aa dandamatan teknoolojii gosa adda addaa (biogas, solar, improved cook stove, loon sanyii fooyya`aa, verm compost fi kan biroo)

fayyadamuun gaazota hoo`aa MmtCO2e 40.5 hir'isuuf karoorfame gad-lakkisa gaazota hoo`aa MmtCO2e 23.06 hir'isuun danda`amee jira.Haa ta'u malee, sekteraaleen qooda fudhattoota qindoominaan hojjechuu dhabuu, to'annoo fi gad-lakkifama kaarboonii safaruu irratti hanqinni gudda akka jiru hubatameera. Xumura KGT-II kunt. mil 7.1 irra gahee jira.

2.2.2. Misooma Qabeenya Beelladaa fi Qurxummii

Xiinxala bara 2010 Ministeerrii Misooma Beelladaa fi Qurxummii Inistiitiyuutii Qorannoo Beelladaa addunyaa waliin ta'uun gaggeeffameen qoodni sektera qabeenya beelladaa akka biyyatti hundumtaa oomisha waliigalaa (GDP) keessaa giddugaleessaan %17 yommuu ta'u, hundumtaa oomisha qonnaa (Agr.GDP) keessaa %39 gahee kan qabu ta'uu isaatiin shoorri sekterri kun guddina diinagdee biyya keenya keessatti qabu ol-aanaa dha.

Kunis akka madda nyaata, tajaajila geejjibaa fi tajaajila hojiilee oomisha qonnaa kennuun akkasumas carraa hojii bal'a qabuu fi sharafa biyya alaa %11 gadi hin taane kan maddisisuu ta'uu isaatiin guddina diinagdee biyyaa keessatti gahee guddaa qaba.

Naannoon Oromiyaa haala qilleensaa fi taa'umsa lafa misooma beelladaatiif mijataa ta'e kan qabdu yoo ta'u baay'ina beellada qabduun akka biyyaatti sadarkaa tokkoffaa irratti argamti. Haaluma kanaan, bara xumura KGT-I loon mil 22.9, hoolota mil 9.8, ro`oota mil 7.8, kotte duudaa mil 4.43, gaalota kuma 239.4, lukkuu mil 20.1 fi gaagura kanniisaa mil 3.59 irra ture xumura KGT-II loon mil 23.4, hoola mil. 10, re`ee mil. 8, kotte duudaa mil 4.43, gaala kuma 237.64, lukkuu mil 20.67 fi gaagura kanniisaa mil 3.9 irraan gahuuf kan karoorfame ture keessaa loon mil 24.93, re`ee mil 10.34, hoola 8.91, kotte duudaa mil 5.14, gaala kuma 309.64, lukkuu mil 20.94 fi gaagura kanniisaa mil 3.75 irra kan gahe yoo ta`u bara ka`umsa KGT-II irra loon %1.71, re`ee % 5.81, gaala % 5.28, lukkuu % 0.82 fi gaagurri kanniisaa % 0.31 kan guddate yoo ta`u lakkoofsii hoola %1.88 fi kutte duudaa keessaa lakkoofsi farda %2.55 akka gad-bu`e ragaan Ejensii istaatistiksii giddugaleessaa ni agarsiisa.

1. Oomisha Aannanii

Akka Xiinxalli 2010 Ministeera Misooma Beelladaa fi Qurxummi Inistiitiyuutii Qorannoo Beelladaa addunyaa waliin ta'uun gaggeefame ibsutti akka biyyoolessaatti oomisha aannan sa'aa fi galaa waliigala waggaa tokkotti giddugaleessan liitira mil 5,030 argamu keessaa % 80 kan sa'aa fi % 20 kan galaa

akkasumas, kan re'ee liitira mil 152 ta'utu argama. Kunis, hundumtaa oomisha (GDP) biyyittii irraa bara 2010 %6.9 gahee kan qabu dha. Naannoon keenyaas oomisha aannanii waliigalaa akka Itoophiyaatti oomishamu irraa %44 kan ta'u ni qooddatti.

Jalqaba KGT-II irratti baay'inni saawwan aannan kennaa turan mil.4.7,oomisha lit.bil.1.39 fi oomishtuummaan aannanii sa`a tokko irraa guyyaatti lit.1.442 irra ture bara xumura KGT-II baay'inni saawwan aannan kennanii mil. 7.4, oomisha aannanii lit.mil. 5.8 fi oomishtummaa sa`a tokko irraa guyyaatti lit. 2.9 irraan gahuuf karoorfame, saawwaan aannan kennaa turan mil. 2.5, oomisha bil. 1.36 fi oomishtummaa lit.1.476 irra gahee jira.

Akkuma gabatee armaan gadii irraa hubachuun danda'amutti raawwii bara jalqaba KGT-II ture irraa saawwan aannan kennan waggaatti g/galeessaan %11.86 fi oomishni aannanii %0.59 gad-bu'aa kan dhufee fi oomishtuummaan %1.39 guddina agarsiisee jira.

Gama misooma oomisha aannan gaalaanis yommuu ilaallu baay'inni gaala aannan kennanii xumura KGT-I irratti mil 101.28, kan ture baroottan KGT-II keessatti %0.69 guddachaa gara mil 104.82 irra kan gahee yommuu ta'u, oomishni aannanii lit mil 95.72 fi oomishtuummaan 3.83 kan ture %12.14 fi %20.19 gad-bu'uun lit mil 50.1 fi 1.24 duuraa duubaan gad-bu'uu agarsiisa. Kana ta'uu kan danda'e maddi oomisha aannanii harki caalu saawwan sanyii naannoo irraa waan ta'eef hanqina dhiyeessii nyaataa fi tajaajilli eegumsa fayyaa gahumsaa dhabuudhaan guddina argamaa ture gad-bu'aa akka ta'u taasisee jira.

Haalli gabaa oomisha aannanii yeroo ilaalamu, akka biyyaatti oomisha aannanii waggaatti giddugaleessaan kan sa'aa %19 fi kan gaalaa %58 qofaatu gabaaf kan dhiyaataa jiru yoo ta`u kana keessaa naannoon keenya oomisha aannanii waggaatti giddugaleessaan kan sa'aa %7.6 fi kan gaalaa %23.2 qofa gabaaf akka dhiyeessaa jirtu ragaan ni agarsiisa. Kanaafis sababoota kan ta`an keessaa oomishaa fi oomishtuummaan xiqqachuu, qaamni aannan walitti qabee gaabaaf dhiyeessu dhibuu, haalli geejibaa oomisha aannanii ammayya`a ta`uu dhabuu fi hanqina qabinsa qul-qullina aannanii jiraachu isaati.

Gabatee 2.12: Karooraa fi raawwii Oomishaa fi oomishtuummaa aannanii

Gosoota horii Aannani fi oomisha aannani	Saf.	2007	2008		2009		2010		2011		2012	
		raaw	kar	Raw	kar.	raa	kar.	raa	kar	raa	kar	raaw
Baay'ina saawwan aannan kennanii(mil)	Lakk.	4.7	5.1	2.7	5.6	3.1	6.2	5.4	6.8	2.8	7.4	2.5
Oomisha Aannanii (bil)	Liitira	1.39	1.7	1.3	2.4	1.4	3.4	1.5	4.4	1.4	5.8	1.36
Oomishtummaa Aannani	Lit/day	1.442	1.7	1.47	1.9	1.5	2.2	1.5	2.5	1.4	2.9	1.47
Baay'ina gaala Aannan kennani (000)'n	Lakk.	101.3	86	94.4	99	67.4	114	58.2	131	104.1	150	104.8
Oomisha Aannani (mil)	Liitir	95.7	74	109	85	62	98	148.3	113	57.3	130	50.1
Oomishtummaa Aannanii	Guyyaatti liitiraan	3.8	4.5	4.0	5.2	3.5	6.0	3.9	6.8	2.5	7.9	1.2

Madda: Ejensii Istaatistiksii Giddugaleessaa (CSA)

2. Misooma Oomisha Foonii

Hojii misooma oomishaa fi oomishtummaa foon hojjetamaa tureen bara xumura KGT-I irratti oomisha foonii kg mil 0.22, 0.016 fi 0.008 fi oomishtummaa foon loonii kg 110, hoola kg 9 fi re'ee kg 8 argamaa ture, dhuma KGT-II irratti oomisha foon loonii, hoolaa fi re'ee %22, %32.49 fi % 42.92 walduraa duubaan dabaluun kg mil 0.59 kg mil 0.066 fi kg mil 0.045 fi oomishtuummaa foon loonii %2.26, hoolaa %5.92 fi %4.56 dabaluun kg123, kg 12 fi kg 10 walduraa duubaan irra gahuun danda'amee jira. Raawwii KGT-II horii foonii gabbate waliigala oomisha foonii fi oomishtummaa foonii gosa horiitiin gabatee armaan gadii keessatti ibsamee jira. Walumaagalatti baay'ina horii foonii bara xumura KGT-II mil.14.59 turan irraa, oomisha foonii dhuma bara 2012 toonii mil. 0.643 argachuun danda'amee jira.

Gabatee 2.13: Misooma Oomishaa fi Oomishtummaa Horii Foonii

Gosoota horii foonii fi oomisha foonii	saf	2007	2008		2009		2010		2011		2012		Reettii guddin
		raw	kar	raw	kar	raw	kar	raw	kar	raw	kar	raw	raw
Horii foonii w/g gabbate (mil)	Lakk	4.27	10.72	10.08	11.72	10.11	11.67	12.59	12.15	11.85	15.13	14.59	27.59
Loon gabbate (mil)	Lakk	1.99	3.72	3.80	3.88	3.73	4.44	4.74	4.18	4.34	5.06	4.3	19.34
Hoolaa gabbate (mil)	Lakk	1.80	3.58	3.70	4.22	4.05	4.68	4.97	4.88	4.07	5.18	4.4	23.11
Re'ee gabbate (mil)	Lakk	0.95	3.42	2.58	3.62	2.33	2.55	2.88	3.08	3.44	4.89	3.09	36.68
Oomisha foonii waliigalaa (mil)	Kg	0.24	0.49	0.49	0.58	0.27	0.58	0.62	0.59	0.48	0.75	0.70	
Loon (mil)	Kg	0.22	0.42	0.43	0.49	0.35	0.50	0.54	0.50	0.41	0.63	0.59	22.03
Hoolaa (mil)	Kg	0.016	0.036	0.037	0.053	0.054	0.055	0.055	0.051	0.046	0.073	0.066	32.49
Re'ee (mil)	Kg	0.008	0.031	0.023	0.042	0.028	0.026	0.029	0.037	0.022	0.049	0.045	42.92
Oomishtummaa													
Loon	kg/ba.loon gabbate	110	113	113	115	114	116	115	120	120	125	123	2.26
Hoolaa	kg/b.hoolaa gabatee	9	10	10	12.5	12	13	11	12	12	12	12	5.92
Re'ee	kgbaay'ina re'ee gabatee	8	9	9	11.5	11	10	10	11	10	11	10	4.56

Madda: EMQBO

Raawwiin oomishaa fi oomishtuummaan foonii xumura KGT-I waliin yommuu madalamuu, karoora KGT-II keessatti hirmannaan paakeejii eksiteenshinii misooma foonii dabalaa dhufuu isaatiin oomishaa fi oomishtuummaan irratti bu'aan gaariin galmaa'ee akka jiru ni mul'isa.

3. Misooma Gogaa fi Kal' ee

a. Oomisha Gogaa fi Kal' ee

Guddina diinagdee fi babal'ina induustirii keessatti dameen kun shoora ol-aanaa akka taphatu ni beekama. Kanuma bu'ureefachuun, hojii misooma oomishaa fi dhiyeessii gogaa fi kal'ee gaggeeffamaa tureen bara xumura KGT-I oomisha gogaa loonii mil 1.02, kal'ee hoolaa mil 2.39, kal'ee re'ee mil 1.78 kan ture dhuma KGT-II irratti oomisha gogaa loonii mil 1.17, kal'ee hoolaa mil 2.14 fi kal'ee re'ee mil 1.232 irraan gahuuf karoorfamee kan ture, raawwiin wal duuraa duubaan mil.1.084; 2.035 fi 1.265 raawwatee jira.

Akka gabatee armaan gadii keessatti ibsameetti oomishnii fi dhiyeessiin gogaa fi kal'ee xumura KGT-I irraa baay'ee gad-bu'aa deemuu agarsiisa. Kanaafis sababa kan ta'an gatiin gabaa gogaa fi kal'ee oomishtootaa fi qaamoleen gogaa fi kal'ee walitti qabuudhaan warshaalee leezeriidhaaf dhiyeessan dadhabbii hojiin kun qabu waliin kan wal hin madallee ta'uu isaatiin kaka'umsi qabinsaa fi of-eeggannoo qul-qullina oomisha gogaa fi kal'ee yeroo qalmaa fi qalmaan booda taasifamuu gahaa ta'uu dhabuun oomishni gogaa fi kal'ee qul-qullina gabaa irraattii barbaadamuun akka hin dhiyaanneef gufuu ta'uun qisaasamni oomishaan boodaa guddaa dha.

Gabatee 2.14: Oomisha Gogaa fi Kal'ee

	2007	2008	2009	2010	2011	2012	Guddina wagga [%]
Gogaa loonii [mil]							
Karoora		1.02	1.18	1.36	1.356	1.17	
Raawwii	0.89	0.94	1.10	1.312	0.964	1.084	4.32
Kal'ee hoolaa [mil]							
Karoora		2.39	2.75	3.16	3.158	2.139	
Raawwii	2.08	1.96	1.90	2.49	1.917	2.035	-1.8
Kal'ee re'ee [mil]							
Karoora	1.55	1.78	2.05	2.36	2.356	1.232	
Raawwii	**4.1**	**1.35**	**1.4**	**1.415**	**1.060**	**1.265**	**-6.63**

Madda: Ejensii Misooma Qabeenya Beelladaa Oromiyaa, 2012

Akkasumas, imaammanni ifaa fi haala salphaan hojiitti hiikamuu danda'u walitti dhufeenyaa fi waliin marii dhimma hojii qooda fudhattoota oomishaa fi daldala gogaa fi kal'ee cimsuu kan hin jirree ta'uu, seerrii fi qajeelfamni daldala gogaa fi kal'ee ba'ee jiru hojii irra ooluu dhabuun,sirni hordooffii fi deeggarsa qaamolee mootummaa dhimmi ilaallatuun taasifamaa kan hin jirree ta'uu isaatiin sirni odeeffannoo gabaa oomishtootaa fi daldaltoota gogaa fi kal'ee akkasumas, warshalee leezerii gidduu jiraachuu dhaabuun, dhiyeessiin keemikaaloota tursiisa gogaa fi kal'ee gahaa ta'e dhibuunii fi dhibeewwan beelladaa gogaa fi kal'ee huban yeroodhaa gara yerootti babal'achaa dhufuun oomishnii fi dhiyeessiin gogaa fi kal'ee gad-bu'aa akka adeemu dhiibbaa guddaa uumee jira.

Kanaafuu oomisha gahaa fi qul-qullina warshaaleen leezerii barbaadaniin dhiyeessuuf gatiin gabaa madalawaa ta'e akka jiraatu haala mijeessuun qabinsaa fi eeggannoo qul-qullina oomisha gogaa fi kal'eedhaaf yeroo qalmaa fi qalmaan booda barbaachisu haala gahumsa qabuun akka taasifamuuf akka onnechiiftutti gargaaruu,imaammanni walitti dhufeenyaa fi waliin marii qooda fudhattootaa cimsuu ifaa fi haala salphaan hojiitti hiikamuu akka danda'u diriirsuu,seerrii fi qajeelfamoonni daldala gogaa fi kal'ee bahanii jiran haaromsuu fi kannen bahanii jiran hojii irra akka oolan taasisuu,sirna odeeffannoo gabaa diriirsuu fi hojii

hubannoo cimisuu qaamoolee hojii kana irratti bobba'anii jiranii fi deeggarsii fi tumsi adeemsa hojii kana keessatti barbaachisu gama mootuummaatiin, dhaabbilee mit-mootuummaa fi dhaabbilee dhuunfaa ciminaan akka gaggeeffamu haala mijeessuun barbaachisaa dha.

b. Gabaa Al-Ergee Foonii fi Horii Dhaabbii

Akka biyyoolessatti al-ergeen horii dhaabbii kallattiin %37 fi al-kallaattiin % 63 gaggeeffamaa kan jiruu fi gaheen oromiyaa gama kanaan qabdu naannoolee biroo waliin yommuu madaalamu %70 ol akka ta'u ragaan qorannoo guddina gabaa beellada Itoophiyaa irraa argame ni mirkaneessa.

Adeemsi al-kallattiin gaggeeffamu kun kan kallattiidhaan gaggeeffamu dachaan caalmaa qabaachuun isaa galiin mootummaa al-ergee kana irraa argamuu malu akka hin argamne taasiisuunii fi gatii gabaa Beelladaa kan biyya keessaa daraan akka ol-ka'u taasisuun gama tokkoon guddina diinagdee biyya irratti dhiibbaa guddaa kan uumee yoo ta'u gama biraatiin gatii gabaa Beelladaa kan biyya keessaa daraan akka ol-ka'u taasisee jira.

Gama biraatiin, Itoophiyaan qabeenya Beelladaa qabduun sadarkaa 10ffaa irratti kan argamtu ta'us qooda al-ergee oomisha foonii gabaa adduunyaa irratti qabdu baay'ee gad-bu'aa dha. Kunis, bara 2010 oomisha foonii gabaa al-ergee adduunyaa irraatti argamee doolaara billiyoona105 tilmaamamu keessaa gaheen Itoophiyaa dhibbantaa tokko gadi akka ta'e ragaan ni agarsiisa (ELMD, 2017).

Kanaafuu, bu'aan gama kanaan argamuu malu baay'ina qabeenya beelladaa qabnu waliin akka wal madaallu taasisuuf sirna hordoffii fi to'annoo al-ergee horii dhaabbii al-kallattiin gaggeeffamu cimsuun baay'ina al-ergee horii dhaabbii hir'isuun dhiyeessiin horii foonii gabaa biyyaa keessaaf haala gahaa ta'een akka jiraatuu gochuu fi qaamoleen oomisha foonii irratti bobba'anii jiran beekamtii fi istaandardii taa'e guutuun gabaa addunyaa keessatti dorgomaa akka ta'an gochuun barbaachisaadha.

4. Oomisha Killee

Bara xumura KGT-I lukkuuwwan killee kennuu danda'an waliigala mil 8.06 kunuunsuun oomisha killee mil 44.1 argamaa ture dhuma KGT-II irratti lukkuu killee kennaan mil 14.4 kunuunsuun oomisha killee bil 1.47 irraan gahuuf kan karoorfamee hojjetamaa tureen lukkuu killee sanyii waliigalaan mil 8.12 (sanyii naannoo 6.7, sanyii makaa 0.89 fi sanyii alaa 0.53) kununsuun oomisha killee waliigalaa mil 70.54 (sanyii naannoo irra mil 31.64, sanyaa makaa irra mil 18.89 fi sanyii alaa irra mil 20.01) oomishamuun danda`amee jira. Gosa sanyii lukkuu fi oomisha killee bara baraan ture gabatee armaan gadii irratti ibsame jira.

Haaluma gabatee armaan gadii irraatti ibsameen oomisha killee guddisuun kan danda'amu qooda lukkuu killee kan sanyii naannoo oomishtuummaan isaanii gadii aanaa ta'e irraa argamu kanneen oomishtuummaa ol-aanaa qaban lukkuu killee sanyii alaa fi makaan bakka buusaa adeemuuf karoorfamee hojjetamaa turee jira. Haata`u malee, lukkuu sanyii makaa (hybrid) yeroo KGT-II keessatti %36.2 kan guddate yoo ta`u sanyiin lukkuu alaa (exotic breeds) %3.4 gad-bu`e argamee jira. Kunis ta'uu kan danda'eef sanyiin lukkuu alaa kun gara biyyaatti yeroo dhufan dhukkuboota adda addaatiif kan saaxilaman yoota'u lukkuu guddaa kan qabanii fi dandeettiin damdamachuu isaanii gad-aanaa waan ta'eef baay'een isaanii tajaajila barbaadamu osoo hin kenniin du'aatiif saaxilamaniiru. Akkasumas, hanqina nyaata lukkuu fi kenna tajaajila fayyaa keessumayyu talaalliin lukkuu dhibuun lukkuuleen sanyii alaa kun haala barbaadameen tajaajila gahaa argachuu hin dandeenye. Kanaafu,misoomni lukkuu tajaajila nyaata, madda galii qonnaa/horsiisee bultootaa ta'uun alatti milkaa'ina karoora diinagdee magariisaa keessaattii illee gahee ol-aanaa kan qaban ta'uu isaatiin,sirna horsiisa lukkuu fi oomisha killee waggoottan KGT-II kana keessattii gaggeessaa ture foyyeessuun dirqama ta'a.

Gabatee 2.15: Oomishaa fi oomishtummaa killee gosa Lukkuutiin (2008-2012)

Gosoota Sanyii lukkuu Killee	Saf.	2007	2008		2009		2010		2011		2012		Gudd ina %
			Kar.	Raw.	Kar.	Raw.	Kar.	Raw.	Kar.	Raw.	Kar.	Raw.	
Lukkuu Sanyii naannoo	mil	7.24	1.92	7.2	1.73	6.98	1.54	6.598	1.39	6.45	1.28	6.7	-2.8
Killee waggaatti argame	mil	41.4	44.76	38.4	40.62	38.15	36.41	34.396	32.76	33.39	29.49	31.64	-5.2
Lukkuu Sanyii makaa	mil	0.19	1.35	0.178	1.62	0.220	2.18	0.369	2.93	0.653	3.91	0.89	36.2
Killee waggaatti argame	mil	2.16	336.4	2.005	1.16	2.6	1.4	4.4	1.86	12.24	0.257	18.89	54.3
Lukkuu Sanyii alaa	mil	0.63	1.13	0.91	2.26	0. 149	3.39	0.33	4.51	0. 55	5.64	0.53	-3.4
Killee waggaatti argame	mil	0.55	0.219	0.98	0.439.	1.67	0.65	3.3	0.881	9.75	1.1	20.01	105.2
Lukkuu sanyii waliigalaa	mil	8.06	4.4	7.378	5.61	7.2	7.11	7.304	8.83	7.66	6.92	7.69	-0.94
Killee waliigala argame	mil	44.11		41.39	42.22	42.42	38.47	42.096	35.5	55.38	30.85	70.54	9.8

Madda: Ejensii Istaatistiksii Giddugaleessaa (CSA)

Kunis, lukkuulee tajaajila foonii (broilers) fi killee kennan (layers)dhaan adda qooduun kanneen sanyii alaa kan keessaa waliin diqaalomsuudhaan dandeettiin damdamatummaa dhukkuubaa isaanii akka dabalu taasisuun, tajaajila eegumsa fayyaa keessumattuu talaalliin lukkuu akka jiraatu haala mijeessuun, maddootiin nyaata lukkuu gahaa akka jiraatan gochuun bu'aa gama kanaan argamuu malu argachuun barbaachisaa ta'a.

5. Misooma Oomisha Dammaa

Oomishaa fi oomishtummaa dammaa dabaluuf gaagura ce`umsaa fi ammayyaa irratti xiyyeeffatame akka hojjetamuuf karoorfameen gaagura ce'umsaa kuma 729 fi ammayyaa kuma 48 irra ture xumura KGT-II gaagura ce'umsaa mil 1.62 fi gaagura aammayyaa kuma 124 irran gahuuf karoorfamee hojjetamaa turus gaagura ce`umsaa %51.3 gad-bu`uun gaagura kuma 20 fi ammayyaa %4.2 dabaluun gaagura kuma 60 fi gaagura aadaa mil 2.17 walumaagalatti gaagura mil 2.25 irraan gahuun danda`amee jira.

Oomishaa fi oomishtummaa dammaa bara xumura KGT-I oomisha dammaa gaagura aadaa irraa kg mil 18.28, ce`umsaa iraa kg kuma 426 fi ammayyaa irraa kg kuma 360 argame ture xumura KGT-II gaagura aadaa irraa oomisha kg mil 15.63, ce`umsa irra oomisha kg mil 42.44 fi gaagura ammayyaa irraa kg kuma 720 irraan gahuuf karoorfamee hojjetamaa tureen oomisha dammaa gaagura aadaa irraa mil 27.19, ce`umsa irraa kg kuma 510 fi gaagura ammayyaa irraa kg kuma 757.9 walumaagala damma kg.mil. 28.46 oomishuun danda`ameera.

Giraafii armaan gadii irraa hubaachuun akka danda`amutti KGT-II keessatti oomisha dammaa fooyyessuuf baay`ina gaagura aadaa jiru gaagura ce`umsaa fi gaagura ammayyaatiin bakka buusuun oomisha dammaa fooyyessuuf karoorfamee kan hojjetamu ta`uus oomishni gaagura aadaa dabalaa kan dhufe (oomisha waggaatti giddugaleessaan %3.1 gad-buusuuf karoorfame %8.26 kan dabale ta`uu) fi oomishni gaagura ce`umsaa ka`umsa KGT-II irraa fooyyee kan hin qabannee ta`u (gaagura ce`umsa irra oomisha waggaatti giddugaleessaan %15.1 guddisuuf karoorfame %1.4 qofan guddate). Oomishni gaagura ammayyaa irraa argame fooyyee haa agarsiisu malee haala qabatama jiruun jijjiirama eegamu kan hin dhufne ta`uu fi oomishni guddaan kan galma`ee gaagura aadaa irraa ta`uu isaati. Kun immoo qonnaan bulaan hedduun ammas gaagura aadaa irrattii xiyyeeffatee akka jiruu fi oomishaa fi oomishtummaa dammaa gaagura aadaa irraa argamu gad-bu`aa ta`u bira darbee qul-qullina oomisha dammaa eegamu kan argamaa hin jirre ta'uusaa namatti agarsiisu dha.

Giraafii 2.8: Oomisha Dammaa gosa gaaguraan



Madda: Ejensii Innaanziloo Oddugaleessaa (CSA)

Gama biraatiin oomishtummaa dammaa bara xumura KGT-I oomishtummaan dammaa gaagura aadaa kg 7, ce`umsaa kg 10 fi ammayyaa kg 20 kan ture bara dhuma KGT-II walduraa duubaan kg 10, kg 26 fi kg 40 gahuuf karoorfamee hojjetama tureen oomishtummaa dammaa gaagura aadaa kg 12.5 fi ce`umsa kg 25.5 kan ol-guddatee jiru yoo ta`u oomishtummaan gaagura ammayyaa xumura KGT-I irratti kg 20 irra kan ture dhuma KGT-II irratti gara kg 12.63 gad-bu`e jira.

Giraafii 2.9: Oomishtummaa Misooma Dammaa gosa gaaguraan



Madda: Ejensii Ismaaniikii Giddugaleessaa(2008-2012)

Giraafii armaan ol irraa akkuma hubaachuun danda`amuutti oomishtummaan dammaa gaagura aadaa fi ce'umsaa xumura KGT-I %1.65 fi %5 waggaa waggaan giddugaleessaan yoo guddatu oomshtummaan dammaa gaagura ammayyaa %8.47 gad-bu`ee jira. Sababbiin isaa akkaataa ittifayyadama gaagura ammayyaa dandeettii teeknikaa gahaa ta'e kan barbaadu ta'uu isaatiin hubannoo oomishtoota dammaa qabaniin ol kan ta'uu fi meeshaalee dabalataan akka galteetti barbaachisan haala barbaadameen argachuu dhabuun, hordoffii fi to'annoo yeroo oomishni dammaa gaggeeffamu hoomaa kanniisaatiif taasisuuf halli mijataa ta'uu dhabuu isaatiin dammii oomishamee ilbiisotaan akka nyaatamu saaxilamummaa guddaa waan qabuuf hanqina humna bittaa gaagura ammayyaa oomishtoota dammaa fi gaagura ammayyaa fayyadamuun oomishni

gagaa gahaa fi qul-qullina barbaadamu irraa argamuu waan hin dandeenyeef ittifayyadamni gaagura ammayyaa gad-bu'aa kan adeemu taasisee jira.

Kanaaf ittifayyadama gaagura ammayyaa fi ce'umsaa fooyyeessuun hojii oomishaa fi oomishtummaa dammaa haala barbaadameen akka dabalu taasisuuf hojiin leenjii, gorsaa fi deeggarsa oogummaa itti fufinsaan kennuu, maddi liqaa mijachuu, teknoolojii irra deebiin fooyyessuun haala mijataa taasisuun barbaachisaa dha.

6. Misooma Qurxummii

Itoophiyaan baay'ina laggeenii fi haroowwaan qabduun waggaatti qurxummii kuntaala mil 51.5 oomishuu ni dandeessi. Haa ta'u malee, pootenshaala jiru kana keessaa %30 qofaatu hojii irra oolee akka jiru ragaan FAO,bara 2011 irraa argane ni mul'isa.

Misooma qurxummii iddoo filachuun haroo hormaata qurxummiif oolu qopheessuun bishaan kuusanii gosa qurxummii bu'aa qabeessa qabu filachuun kunuunsuun akkasumas,qaamolee bishaan uumamaan jiranii fi haaraa qorachuun ilmaan qurxummii fooyya'aa itti naquu, bakka hojiin jallisii hojjetamaa jirutti misooma qurxummii sadarkaa qonnaan bulaatti babal'isuun xiyyeeffannoo KGT-II keessatti karoorfamee ture. Haaluma kanaan oomisha qurxummii bara xumura KGT-I oomisha kun.kuma tokko irra ture bara xumura KGT-II kun kuma 352 guddisuuf kan karoorfamee ture oomishni isaa kunt.kuma 130.395 irra gahee jira.

Raawwii misooma qurxummii pootenshaala Naannoon keenya qabu waliin yoo madaalamu baay'ee gad-aanaa akka ta'e ragaan jiru ni mul'isa. Xiyyeeffannaan misooma qurxummiif kenname laafaa ta'uun akkuma jirutti ta'ee ammayyaa'uu dhabuu tooftaa qabinsa qurxummii, rakkoo gabaa, jijjiirama qilleensaa, babal'achuu hojii induustirii fi qonnaa gad- aanaa ta'u dha

Kanaafuu misoomni qurxummii madda nyaataa fi galii ta'uu isaatiin wabii nyaataa mirkaneeffachuu fi hojii dhabdummaa hir'isuudhaan sochii hiyyuumaa xiqqeessuuf taasifamu keessatti shoora ol-aanaa haa qabatu malee bu'aa gama kanaan argamu irraa hanga fayyadamuun danda'amu fayyadamuuf, dhimmoota xiyyeeffannoo barbaachisan keessaa oomisha qabeenya qurxummii, hojii hubannoo hawaasaa cimsuu fi kenninsi tajaajila eksiteenshinii qurxxummii jajjabeessuu, sirna gabaa oomisha qurxummii mijataa ta'e diriirsuu fi imaammataa fi tarsiimoo hirmaannaa abbootiin qabeenyaa damee kana keessatti qaban cimsu diriirsuun barbaacisaa ta`a.

Kanaafuu, misoomni qurxummii madda nyaataa fi galii ta'uu isaatiin wabii nyaataa mirkaneeffachuu fi hojii dhabdummaa hir'isuudhaan sochii hiyyuummaa xiqqeessuuf taasifamu keessatti shoora ol-aanaa haa qabatu malee bu'aa gama kanaan argamu irraa hanga fayyadamuun danda'amu fayyadamuuf,dhimmoota xiyyeeffannoo barbaachisaan keessaa oomisha qabeenya qurxummii,hojii hubannoo hawaasaa cimisuu fi kenninsi tajaajila eksiteenshinii qurxxummii jajjabeessuu, sirna gabaa oomisha qurxummii mijataa ta'e diriirsuun fi imaammataa fi tarsiimoo hirmannaa abbootiin qabeenyaa damee kana keessatti qaban cimsuu diriirsuun barbaacisaa ta`a.

Gabatee 2.16: Misooma Oomisha Qurxummii

	2007	2008	2009	2010	2011	2012	G/g [%]
Oomisha qurxummii [kun]							
Karoora		139,719	166,677	184,779	177,650	183,468	
Raawwii	121,495	113,984	112,112	131,194	129,562	130.395	6.33
Baay'ina haroo [lak]							
Karoora		2,328	2,677	1,607	1,200	1,513	
Raawwii	291	376	925	884	859	866	24.37
Ilmoo qurxummii							
Karoora		949,824	1,766,820	775,538	459,678	562,646	
Raawwii	47,313	97,379	314,764	161,112	118,553	216,500	35.55

Madda: Ejensii Misooma Qabeenya Beellada Oromiyaa,2012

7. Misoomaa fi Dhiyeessii Nyaata Beelladaa

Bal'inni lafa naannoo horsiisee bulaa hekt. mil. 15.21 (km^2 kuma 152.10) yoo ta'u, kana keessaa %60 (hekt. mil. 9.12) kan ta'u dheedumsaaf lafa ooludha. Bal'ina lafa dheedumsaa kana keessaa, hanga 2012tti lafti dheedumsaa oole hekt. mil.3.1 irra gaheera. Kana malees, waggoottan kana keessa teknoloojii fi galteewwan adda addaa fayyadamuudhaan oomishtummaa lafa dheedumsaa fooyyessuuf karoorfamee jira. Haaluma kanaan, bara 2012 hekt. tokko irraa marga gogaa toonii mil. 3.51 oomishameera.

Rakkoo bishaan dhugaatii namaa fi beeyladaa naannoo horsiisee bulaatti mul'atu salphisuuf hojiiwwan pirojeektota bishaanii gurguddaa cinaatti hawaasni horsiisee bulaa ganda, ollaa fi sadarkaa abbaa warraatti baankii bishaanii akka

qabaatu xiyyeeffannoo kennamee hojjetamaa tureen 2012 hojiiwwan haroowwan adda addaa haroo maatii 39,844, haroo uummataa 2,663 boolla harkaa 7,729 fi eela 14,836) ijaaruu fi suphuu raawwatameera. Kana malees, haroowwan gurguddaa 10 maashinaa gurguddaadhaan waggoota KGT- II keessa hojjetameera.

Oomishaa fi oomishtummaa Beelladaa guddisuuuf hojii hojjetamu keessaa gahee guddaa kan qabu hojii misooma nyaata beelladaa akka ta'e ni beekama. Kunis, ragaan EIGGF bara 2011 bahe akka ibsutti maddi nyaata beelladaa akka Oromiyaatti jiru marga dheedumsaa, haftee midhaani, nyaata beellada fooyya'ee, okaa, bu'aalee warshaalee adda addaa fi waan adda addaa irraa %62.93, %27.96, %0.26, %2.3, %1.89 fi %4.67 duuraa duubaan kan argame ta'uu agarsiisa. KGT-II keessatti misooma nyaata beelladaa gaggeeffame gabatee armaan gadii keessatti ibsamee jira.

Gabatee armaan gadii keessatti akka ibsametti waggoottan KGT-II hokaa %56.93, bu'aa warshaalee adda addaa %66.6 fi maddeen biroo irraa %69.18 guddina kan agarsiise yoo ta`u, lafa marga dheedumsaa %0.71, haftee midhaanii %32.68 fi nyaata beelladaa fooyya'ee %11.91 gad-bu'ee jira.

Lafti dheedumsa sababa babal'ina lafa qonnaa, babal`achuu miciree fi aramaa, kunuunsa fi eegumsa qabeenya beelladaaf taasifamu gama qonnan/horsiisee bultootan gad-aanaa ta'u, akkasumaas sirna dhiyeessii, raabsii fi ittifayyadama sanyii nyaata beelladaa foyyaa'aa ifaa fi salphaa ta'e dhibuun raawwiin gama kanaan hanga irra gahamu danda'uu irra akka hin gahamne dhibbaa guddaa uumee jira. Lafa dheedumsaa daangeessuu fi xuxuqaa irraa ittisuu,hojii misooma sululaa keessatti lafa waliin dheedumsaaf akka ta'u adda baasuu,lafa qonnaa fi dheedichaa waggaa waggaan wal jijjiiruun fayyadamu, keemikaalota farra aramaa fi oomisha nyaata beelladaa foyya'aaf callaa guddistuu fayyadamuun oomishtummaa dabaluu, hokaa fi haftee midhaanii yeroo isaa osoo hin dabarsiin walitti qabuun kuusuu hanqinni nyaata beelladaa mudachaa ture fala kan argatu ta'a.

Gabatee 2.17: Misoomaa fi Fooyya'iinsaa Nyaata Beelladaa (2008-2012)

Maddoota nyaata	Saf.	2007	2008		2009		2010		2011		2012	
			Kar	Raw	Kar	Raaw	Kar	Raw	Kar	Raaw	Kar	Raw
Marga dheedumsaa irraa (mil)	hek.	65.21	1.75	65.0	2.02	64.8	2.32	64.6	2.70	62.93	3.10	0.938
Nyaata fooyya'aa (mil)	hek	1.88	0.73	0.2	0.84	0.2	0.977	0.2	0.11	0.26	0.029	150
Hafteemidhaanii sassaabuu (mil)	toonii	52.7	10.35	26.6	11.9	26.4	13.69	26.5	15.74	27.96	18.1	16
Bu'aa warshaalee (mil)	toonii	0.2	0.30	1.4	0.45	1.5	0.68	1.7	0.10	1.89	0.16	0.656
okaa (mil)	toonii	0.175	0.43	2.6	0.049	2.6	0.057	2.4	1	2.3	0.75	2.453
Kanneen biroo (mil)	lakk	0.34	0.195	4.3	0.22	4.6	0.26	4.6	0.3	4.67	0.34	0.0034

Madda: KKMDOn kan qindaa'e, bara 2012

8. Eegumsaa Fayyaa Beelladaa

Tajaajilli eeguumsa fayyaa beelladaa kan irratti xiyyeefatu eksiteenshinii fayyaa beelladaa babal`isuun dhibeen otoo hin kaa'iin dura talaallii beelladaa bal'inaan gaggeessuun dhibee ittisuu dha. Haaluma kanaan, uwwisnii talaallii beelladaa xumura KGT-I irratti %52.7 kan ture KGT-II keessa waggaa waggaan giddugaleessaan %1.24 guddachuun %55.98 irra akka gahu ta'ee jira.

Gama uuwwisa tajaajila wal-aansa beelladaanis, raawwii KGT-I %65.51 kan ture karoora KGT-II keessatti immoo waggaa waggaatti giddugaleessaan %3.04 guddachuun, xumura KGT-II gara %76 ol-guddatee jira. Akkasumas, uuwwisni kiliinika fayyaa beelladaa, xumura KGT-I irratti %73.8 kan ture waggaa waggaatti

giddugaleessaan %4.15 guddachuun % 90 irra gahee jira.

Akka waliigalaatti raawwiin tajaajila talaallii farra dhibeewwan adda addaa fi uwwisa wal-aansa beelladaa waggaa waggaan kennamu ol-aanaa ta'u illee haala ragaan EIGGF agarsiisuun garuu, horiin waggaa waggaan du'aa jiru lakkoofsaan garmalee ol kan ka'aa jiru dha.

Kunis ta'uu kan danda'eef tajaajila eksiteenshinii ittisa dhibee irratti xiyyeeffatee kennuun hanqina qabaachuu akkasumas, tajaajila wal-aansaa qul-qullinaa fi gahumsa qabu kennuuf dhiyeessii meeshaalee wal-aansa fayyaa beelladaa kan akka firiijii, meeshaalee laabiraatorii fi meeshaalee yaalaa kanneen biroo akkataa barbaachisummaa isaatiin sadarkaa kiliinika aanaaleetti guutamuu dhabuu, keellawwan fayyaa beelladaa sadarkaa gandaatti babal'isuun gahumsa tajaajila fayyaa beelladaa fooyyesuu dhabuu,qorichaa fi keemikaalota to'annoo dhibee beelladaaf murteessoo ta'an naannoon bakka tokkotti qindeessuun biyyoota alaa irraa galchuu irratti harkifannaan jiraachuu fi hirmaannan abbootii qabeenya dhuunfaa gad-bu'aa ta'uun rakkoolee gurguddoo gama kanaan mul'atanii fi furmaata argachuu malan dha.

Gabatee 2.18: Dhiyeessii tajaajila eegumsa fayyaa beelladaa

Goosota tajaajilaa eegumsa fayyaa Beelladaa	Saf.	2007	2008		2009		2010		2011		2012	
			Kar	Raaw	Kar	Raaw	Kar	Raaw	Kar	Raaw	Kar	Raaw
Uwwisa Talaallii	%	52.7	31.67	52.6	38.18	47.6	45.42	54.2	53.78	55.98	64.58	55.98
Uwwisa wal-aansa beelladaa	%	65.51	71.97	69.4	82.77	66.6	90	71.7	80.0	76.0	95	76
Uwwisa kiliinika beelladaa	%	73.80	79.50	69.4	84.92	66.6	90.13	85.8	95.83	90.0	98.76	90

Madda: Ejensii Misooma Qabeenya Beellada Oromiyaa, 2012

9. Tajaajila Eksiteenshinii Misooma Beelladaa

Sagantaa paakeejii eksiteenshinii beelladaatiin taasifamaa tureen KGT-I irratti hirmaattonni paakeejii eksiteenshinii misooma beelladaa qonnaan/horsiisee bultoota 63,115 irra turan xumura KGT-II irratti gara namoota mil 1.94 ol-guddisuuf karoorfamee qonnaan/horsiisee bultoota 241,237 kan hirmaatan yoo ta`u, hirmaattota paakeejii eksiteenshinii beelladaa KGT-II keessa gara dacha sadiitti siiqu kan dabale ta'us,manii taa'e keessaa %9.5 qofaan raawwatame jira. Haa ta'u malee, gosa hirmaannaatiin yoo ilaallamu hirmaannaan horsiisa lukkuu irratti taasifame bara ka'umsaarraa gara dachaa shaniin guddachuu danda'eera. Bu'aan kanaas oomisha killee keessatti bal'inaan ni mul'ata. Gama biraatiin hirmaannaan eksiteenshinii dammaa kan bara ka'umsaa irraa %18 gad-bu'ee argama. Kana jechuun, hirmaattoti yeroo ka'umsaa turanis waan gad-lakkisaniif ittifayyadamni gaagura ce'umsaa fi hammayyaa gad-aanaa akka ta'u taasisee jira. Kana waan ta'eef, oomshni dammaa gaagura ce'umsaa fi hammayyaa irraa argamu gad-bu'aa ta'eera.

Giraafii 2.10: Hirmaannaa Paakeejii Eksiteenshinii Beelladaa



Giraafii 2.11: Hirmaannaa Paakeejii Eksiteenshinii Beelladaa

A. Baay'ina hirmaattotaa



B. Raawwii gahee hirmaannaa gosa adda addaa



Madda: Ejensii Misooma Qabeenya Beellada Oromiyaa, 2012

KGT-II keessatti ittifayyadama paakeejii eksiteenshinii beelladaa gama hundaan fooyyee haaqabatu malee ragaa Ejensii Istaatistiksii giddugaleessaa agarsiisutti oomishaa fi oomishtummaan dammaa, aannaanii fi qurxummii gad-bu`e argamee jira. Akka waliigalaatti, misoomni qabeenya beelladaa dhiyeessii nyaataa gosoota dhangaalee gahaa ta`ee fi wabii nyaataa mirkaneessuu bira darbee carraa hojii uumuun sharafa biyya alaa maddisiisuu fi galii qonnaan bultoota guddisuuf gahe ol-aanaa qabuun adeemsa hiyyuummaa hir'isuuf galmi taa'e karaa sirrii waan ta'eef xiyyeeffannoon itti kennamuun barbaachisa dha.

2.2.3. Hirmaannaa fi Bu'aa Qabeessummaa Waldaalee Hojii Gamtaa

Sagantaa ijaarsa WHGtiin hanga xumura KGT-II waldaaleen (qonnaa fi mit-qonnaa) bu'uuraa 22,348, yuuniyeenota 120 fi federeeshinii tokkotu jira. Gama biroon, xumura KGT-II miseensota waldaalee bu'uuraa mil. 8.57, yuuniyeenota 7,730 fi federeeshinii 65 kan ta'utu jira

Humna waldaalee cimsuuf kaappitaalli isaanii akka guddatu gochuun murteessaa waan ta'eef kaappitaala waldaalee bu'uuraa, yuuniyeenotaa fi federeeshinii xumura KGT-II akka waliigalaatti qr.bil.7.032 irra gahee jira. Humni waldaalee fi miseensotaa akka cimu kan taasisan keessaa tokko qusannaa fi liqii miseensotaaf kennuu waan ta'eef waliigala qusannaa miseensota waldaalee xumura KGT-II qr. bil. 4.18 fi tajaajila liqii qr. bil. 5.5 raawwatee kan jirudha.

Waldaaleen hojii gamtaa oomishaa fi oomishtummaan qonnaa akka dabaluuf dhiyeessii callaa guddistuu fi makaanaayzeeshinii keessaatti adda durummaan hirmaachuun, walitti hidhaminsa gabaa mijataa ta'ee uumuun oomishtoonni gatii madaalawaa ta'e akka argatan taasisuuf, waldaaleen miseensota isaanii irraa oomisha bitanii gurguruun diinagdee miseensotaa cimsuu irra darbee hojii gabaa tasgabbeessuu irratti gahee ol-aanaa kan qabanii fi inveestimentiiwwan agroo induustirii irratti hirmaachuun oomisha isaanii irratti soona dabaluun gatii fooyya'aa ta'e argachuuf akkasumas, ce'umasa caasaa diinagdee qonnaa irraa gara oomisha induustiriitti taasifamaa jiruuf bu'ura cimaa akka ta'an ni amanama.

Haaluma kanaan raawwii gurguddoo KGT-II yeroo ilaalamu midhaan gosa adda addaa kunt.18,271,616 gabaatti dhiyeessuuf karoorfame keessaa kun.7,798,842 (%43) qofaatu raawwate, kuduraa fi muduraa adda addaa kun.14,579,067 karoorfame keessaa kun. 17,870,281 (%100) ol beellada adda addaa lakk. 510,020 karoorfame keessaa lakk. 237,320 (%47)raawwatee jira fi akkasumas bu'aa beelladaa aannan lit.305,809,120 karoorfamee lit.105,109,502(%34)raawwatee jira, dhadhaa kg 13,166,323 karoorfamee kg

2,039,522 (%15), foon kg 74,907 karoorfamee 336,018 (%100) fi baaduu kg 1,250,000 karoorfamee kg 514,527 (%41) gabaa biyya keessaatti dhiyeessuun danda'ameera. Gama kanaan jalqabbiin jiru gaarii ta'us, keessumaa hojii gabaa biyyaa keessaa keessatti raawwiin gad-bu'aa ta'uun isaa xiinxalamee jira.

Dhimmoonni gad-bu'insa raawwii kanaatiif sababa kan ta'e: waldaalee bu'uraa biratti hanqinni man-kuusaa bal'inaan jiraachuu, waldaaleen humna qaban guutuudhaan hojii oomisha miseensotaa sassaabuu dhabuu, hanqinni maallaqa bittaa oomishatiif oolu jiraachuu, waggaa guutuu bittaa oomisha gaggeessuu dhabuu, oomisha yeroon gurguruu dhabuun man-kuusaa keessatti tursiisuun kasaaraa hin malleef saaxilamuu fi walitti dhufeenya WHGB fi Yuuniyeenota, WHGB fi Miseensota bira jiru laafaa ta'uu, bu'aa qul-qulluu yeroon miseensotaaf qooduu dhabuu, dallaalonnii fi faddaalonni seeraan alaa hojii gabaa keessatti hirmaachuun gabaa tasgabbii dhorkuun akka sababoota ijoo adda bahani dha.

Hirmaannaa WHG gabaa biyya alaa keessatti qabu dabaluuf KGT-II keessatti Yuuniyeenota 18 fi Federeeshinii 1 gabaa biyya alaa keessa galchuuf karoorfamee Yuuniyeenota 8 fi Federeeshinii 1 waliigala 9 (%50) kallattiidhaan gabaa biyyaa alaa keessatti hirmaachisuun danda'amee jira. Oomishaaleen gabaa biyya alaatti ergamanis Buna (Gogaa fi Miicamaa) toonii 216,366 erguun sharafa biyya alaa $419,249,243 argamsiisuuf karoorfame buna toonii 46,006(%21) erguun sharafa biyya alaa $245,870,198 (%59) argamsiisuun danda'ameera. Gahee WHG gabaa biyya alaa keessaa qabu yoo xiinxalaamu %6 qofa yoo ta'u pootenshaala naannoon keenya qabuu waliin yoo madaalamu hanqinni bal'aan jiraachuu isaa hubachuun danda'amee jira.

Akka waliigalatti, sababbiin raawwii kun gad-bu'eef oomishaleen qul-qullina dhabuu, gatiin oomishalee gabaa addunyaa irratti gad-bu'uu, daldalli seeraan alaa yeroo gara yerootti dabalaa deemuu, sirni odeeffannoo gabaa waalta'aa fi haqummaa qabu madda tokkorraa ykn iddoo wal-fakkaatu irraa kennamuu dhabuu, gabaa gahaa barbaaduu fi oomisha beeksisuu dhabuu, sirni odeeffannoo gabaa teknoolojiin deeggaramuu dhabuu fi gatii oomisha biyya keessaa dabalaa deemuu dha.

Gama agiroo induustiriin, KGT-II keessatti warshaaleen ijaaramanii hojii keessa galan warshaa daakuu qamadii, warshaa dakuu boqqolloo fi daakuu xaafii ijaaruuf 8 karoorfamee raawwiin 5 (%63), warshaa biqilaa 1, Warshaa Buna Gogaa 45 karoorfamee 32(%71), Warshaalee Buna Diimaa 52 karoorfamee 71 (%100) olraawwateera, Maashina Daabboo 6 karoorfamee 4 (%67), Warshaa buna Qindeessu 3 karoorfamee 3 (%100) ijaaramanii hojii keessa kan galan yoo

ta’u; akka waliigalaatti hanga ammaatti warshaa daakuu qamadii 6 fi warshaa daakuu boqqolloo 2, warshaa Aananii 2, warshaa karatixii (PPT)1, warshaalee xaa`oo madaalawaa 2, maashina Daabboo 4 fi warshaalee nyaata Horii 8 warshaalee Buna Gogaa 51, warshaalee Buna Diimaa 258, waliigala warshaaleen 336 bal’inaan hojii keessa galanii jiru.

Ijaarsi warshaalee gosa adda addaa waldaaleen ijaaraman kun akka ciminaatti haa xiinxalamu malee hanqinaalee armaan gadii kan qaban ta’uu hubatamee jira, oomisha galtee ta’u yeroon walitti qabuu dadhabuu, haalli hooggansasaa fi qabinsisaa akkasumas humni nama barbaachisuu guuttachuu dhabuu, warshaaleen yeroo ijaaraman qorannoon gahaan osoo hin gaggeeffamiin ijaarsi gaggeeffamuu fi humna guutuudhaan hojii keessa galuu dhabuun akka hanqinaatti ilallamee jira.

Dhiyeessii mashineroota makaanaayzeeshinii qonnaans, KGT-II kana keessatti qul-qulleessituu sanyii 15 karoorfamee 12 (%80), Tiraakteerota karoori 111 raawwiin 223 (%100), maashinii midhaan sararaan facaasuu karoorri 9 raawwiin 17 (%100) ol beelarii karoorri 4 raawwiin 2(%50), Kombaaynerii karoorri 23 raawwiin 30 (%100) olii fi dhooftuu boqqolloo karoorri 126 raawwiin 79 (%63) waldaaleedhaan bitamanii tajaajila makaanaayzeeshinii miseensotaa fi mit-miseensaaf kennaa turaniiru.

Akka waliigalaatti, hanga xumura KGT-II waldaaleen keenya kombaayneroota 55, qul-qulleessituu sanyii 31, maashinii boqqolloo falfalu 98, tiraakteerota 288, beelarii 2 fi Maashina sararaan facaasuu 16 waliigala 490 bitachuun tajaajila makaanaayzeeshinii oomisha duraa fi boodaa kennuu keessaa bal’inaan galuun ce`umsa qonnaa irraa gara Induustiriitti taasifamu dhugoomsuu keessatti gahee taphachaa jiru. Haata’u malee, jalqabbiin jiru gaarii ta’ullee hanqinoonni bulchiinsa makaanaayzeeshinii kanneen humna guutuudhaan hojii keessa galuu dhabuu, fedhiin qonnaan bulaa bira jiruu fi dhiyeessiin makaanaayzeeshinii adda addaa wal-simuu dhabuu, sirni hordoffii isaanii hojmaata iftoomina qabuun hoogganamuu dhabuu,WHG tajaajila makaanaayzeeshinii irratti hirmaatan hojii haala aadaatiin gaggeessuu, meeshaaleen jijjiirraa maashinerootaa yeroo fi qul-qullina barbaadamuun argachuu dhabuun rakkoolee gama kanaan xiinxalamandha.

Gabatee 2.19: Karooraa fi raawwii hirmannaa misoomaa waldalee hojiigamtaa

Gosa Hojii	Saf	2007	2008		2009		2010			22011	2012	
			Kar	Raaw	Kar	Raaw	Kar	Raaw	Kar	Raaw	Kar	Raaw
Hirmaannaa gabaa biyya keessaa												
Gabaa Biyya keessaa	lak	2,585			3,012	2,922	3,312	3,310	3541	835	5636	2955
Walda bu`uraa	lak	2,512	3,338	2,840	2,930	2,840	3,230	3,234	3465	760	5560	2878
Yuuniyeenii	lak	72	83	81	81	81	81	75	75	75	75	76
Federeeshinii	lak	1	1	1	1	1	1	1	1		1	1
Hirmaannaa gabaa biyya alaa												
Gabaa biyya alaa	lak	6	10	8	10	9	13	8	11	9	8	9
Yuuniyeenii	lak	5	9	7	9	8	12	7	10	8	7	8
Federeeshinii	lak	1	1	1	1	1	1	1	1	1	1	1
Hirmaannaa Induustirii fi makaanaayzeeshinii keessatti												
Waldaalee agroo induustirii keessaatti hirmaatan	lak	194	32	14	35	22						336
Waldaalee Makaanaayzeeshinii keessaatti hirmaatan	lak	150	65	93	65	109						410

Madda: Ejensii Babal’ina Waldaalee Hojii Gamtaa Oromiyaa, 2012

2.2.4. Dhaqabummaa Teknoolojiiwwan fi Fayyadamummaa Q/H Bultootaa

Hojiiwwan oomishaa fi oomishtummaa qonnaa guddisuuf hojjetaman keessatti saffisaa fi qul-qullina raawwii adeemsa hojiilee oomisha dabaluuf akkasumas, dhiibbaawwan oomisha irratti gama kamiinuu gahuu dandahu hambisuu keessatti qorannoon saaynsaawaa ta'ee fi teknoolojii bu'aa qabeessummaan isaa mirkana'een deeggaramuun gahee ol-aanaa qaba.

Haaluma kanaan teknoolojii fi odeeffannoo dhiyeessuun hojiilee ijoo qorannoon hojjetaman keessaa tokko yoo ta'u, kunis bu'aa yaaliwwan qorannoo marsaan yaalii isaanii xumuramee raawwatamuun bahanii fi odeeffannoowwan teknoolojii haaraa argame sadarkaa itti qonnaan bulaa ykn horsiisee bulaan bira gahu danda'udha.

Kunis adeemsota hojii qorannoo garaa garaa 6 jalatti teknoolojii ykn odeeffannoo haaraa dhiyeessuuf qorannoo gaggeeffamaa tureedha. Haaluma kanaan KGT-II kanatti adeemsotaa fi garee hojii qorannoo garaa garaa lakkoofsaan 1,265 baasuuf ykn dhiyeessuuf karoorfamanii teknoolojiwwan ykn odeeffannoowwan lakkoofsaan 931(73.6%) raawwatamanii jiru. Sababni raawwiin teknoolojii dhiyeessuu KGT-II gad-bu'eef teknoolojii ykn odeeffannoowwan bahan yaalii qorannoo gaggeeffamu irraa waan ta'eef hanqinnoonni raawwii yaaliwwan qorannoo armaan olitti mudatan faasilitiwwan qorannoo (baajeta, loojistikii, humna namaa, laabraatorii fi galtee qorannoo) jiru irraa kan ka'e teknoolojii odeeffannoo baay'ina karoorfameen dhiyeessuuf rakkoo guddaa uumee jira. Haa ta'u malee, raawwii KGT-I waliin walbira qabamee yeroo ilaalamu raawwii fooyya'iinsa fi caalmaa guddaa agarsiisee jira.

Ogummaawwan hojii qorannoo jiraniin yeroo ilaalamu KGT-II keessatti teknoolojii odeeffannoo midhaanii 316 dhiyeessuuf karoorfamee ture keessaa raawwiin 261 (83%), teknoolojii odeeffannoowwan beelladaa 278 dhiyeessuuf karoorfamee ture keessaa raawwiin 174 (63%) , teknoolojii odeeffannoo qabeenya uumamaa 159 dhiyeessuuf karoorfamee ture keessaa 150 (94%) raawwatee jira, teknoolojii fi odeeffannoo Maandisummaa Qonnaa 211 dhiyeessuuf karoorfamee ture keessaa raawwiin 146(70%), Eksiteenshinii Qonnaatiin KGT-II teknoolojii odeeffannoowwan eksiteenshinii Qonnaa 261

dhiyeessuuf karoorfamee ture keessaa raawwiin 181(70%) fi teknoolojii odeeffannoo Saaynsii nyaataan 40 dhiyeessuuf karoorfamee ture keessaa 19(47.5%) raawwatee jira. Qorannoon Saaynsii nyaataa wajjira ol-aanaa irratti hundaa'ee hojii qorannoo gaggeessaa kan jiru yoo ta'u, fasiliitiwwan qorannoof laabraatorii keessatti barbaachisu yeroo kaa'ame keessatti waan hin guuttanneef teknoolojiwwan odeefannoo nyaataa karoorfaman baasuu irratti hanqinni kan jiru ta'uu isaati.

2.2.5. Bu'uraalee Misooma Baadiyyaa

Waggoottan darban keessatti baajeta mootummaan ramadee fi hirmaannaa uummataan bu'uraaleen misoomaa kanneen akka bishaan dhugaatii, misooma Inerjii fi misooma daandii bal'aan kan hojjetaman ta'uun isaa ni beekama. Haaluma kanaan naannoo keenya keessatti hanqinni bu'uraalee misoomaa hanga tokko furmaata argachaa dhufeera jechuun ni danda'ama. Haa ta'u malee, fedhii misooma waliigalaa waliin yoo madalamu babal'inni bu'uraalee misoomaa ammallee inveestimentii guddaa kan gaafatuudha. Gama biraatiin xiyyeeffannan babal'ina bu'uraalee misoomaaf kennamu akkuma jirutti ta'ee qul-qullinaa fi saffisa barbaachisaa ta'een xumuramuu isaaniif xiyyeefannoon hin kennamne.

1. **Waliin Gahinsa Bishaan Dhugaatii**

Waliin gahinsi bishaan dhugaatii qul-qulluu biyyoolessaa akkaataa sagantaa SDG tiin yeroo ilaalamu bara 2011 uwwisa bishaan dhugaatii baadiyaa fi magaalaa duraa duubaan %73.9 fi %60.2 irra kan gahee yoo ta'u uwwisni waliigalaa baadiyaa fi magaalaa akka biyya keenyaatti %71.1 irra gahee jira (NPC, 2011). Haaluma kanaan Naannoo keenyatti waggoottan KGT-II keessatti hojiin bishaan dhugaatii qul-qulluu waliin gahuu, iskiimoota bishaanii tajaajila yeroo dheeraa akka kennaan kununsuu fi warra tajaajilaa kennaa hin jirre suphuun gara tajaajila kennuutti deebisuun hojiiwwan hedduun raawwatamanii jiru.

Waggoottan KGT-II keessatti akkataa istaandardii bishaan dhugaatii taa'een, naannoo baadiyaatti nama tokkoof guyyaatti liitira 25 fageenya buufata bishaanii irraa km 1 keessatti, akkasumas naannoo magaalaatti sadarkaa magaalotaatiin buufata bishaanii irraa fageenya km. 0.25 irratti akka argatan hojjechuun uwwisa bishaan dhugaatii naanichaa xumura KGT-I irratti %50.9 kan ture hojii KGT-II keessatti hojjetamuun gara %78.9 (Baadiyaatti %52.6 ture gara %79.1 fi magaalatti %40.4 irra kan ture gara %77.5) ol-guddisuuf karoorfamee tajaajila bishaan dhugaatii gahaa ta'e kennuuf karoorfamee ijaarsa pirojeektota bishaan

dhugaatii baajeta mootummaan, hirmaannaa hawaasaa fi qooda fudhattootaan raawwatamuu fi iskiimota bishaan dhugaatii baadiyaa fi magaalaa haaraa ijaaruudhaanii fi kanneen jiran suphuudhaan uwwisa bishaan dhugaatii naannoo keenyaa %71.75 (Baadiyaa %72.56 fi Magaalaa %67.06) irraan gahuun danda'amee jira. Uwwisni bishaan dhugaatii naannoo keenyaa waggoottan KGT-II keessatti giddugaleessan waggatti % 7.81(Baadiyaatti %7.43 fi magaalaatti %10.71) guddachaa dhufee jira.

Giraafii 2.12: Uwwisa Bishaan dhugaatii (2008-2012)



Madda: Biiroo Bishaanii fi Inerjii Oromiyaa, 2012

Hojiiwwan bishaan dhugaatii qul-qulluu hojjetamee fi uwwisa bishaan dhugaatii dableen kanaan uummanni baadiyaa mil 23.89 fi magaalaa mil 4.07 waliigala uummata mil 27.90 ta'an bishaan dhugaatii qul-qulluun argatanii jiru. Hojiiwwan KGT-II keessa hojjetameen uwwisa bishaan dhugaatii waliin gahuuf hojjetame sadarkaa gaarii irra haa jiraatu malee hojiin qul-qullinaa bishaan dhugaatii dhiyeessuu irraatti hojjetaman gahaa akka hin turee hubaachuun ni danda`ama.

A. **Qo’annoo fi Dizaaynii Dhiyyeessii Bishaan Dhugaatii**

Ijaarsa bishaan dhugaatii qo'annoo teknikaa fi hawaas-diinagdee gahaa ta'e irratti bu'ureeffate horachuuf qorannoo fi dizaaynii bishaan dhugaatii qul-qulluu ta’e gaggeessuun murteessa dha. Haaluma kanaan, raawwiin hojiiwwaan qorannoo fi dizaaynii bishaan dhugaatii xumura KGT-I irratti 5,951 kan ture dhuma KGT-II hojiiwwan qorannoo fi dizaaynii bishaan dhugaatii 1,207 (baadiyaatti 950 fi magaalatti 257) raawwachuuf karoorfamee hanga dhuma KGT-II qorannoo fi dizaaynii 476 kan raawwatamee yoo ta`u raawwiin KGT-II %39.6 irra gahee jira.Walumaagala raawwiin qorannoo fi dizaavnii bishaan dhugaatii haga ammaatti 6,427 irra gahee jira.

B. **Ijaarsa Bishaan Dhugaatii**

Bara KGT-II keessa hojiiwwan ijaarsa bishaan dhugaatii sagaantalee adda addaa fi baajeta mootummaatiin boolla harkaa 28,000 karoorfamee ture keessaa raawwiin 12,017 (%42.92), boolla gabaaba 2,550 karoorfamee ture keessaa raawwiin 1,256 (%49.25), boolla gadi fagoo 1,050 karoorfamee ture keessaa raawwiin 411 (%39.14), burqaa ijarratti misoomsuu 10,500 karoorfamee keessaa raawwiin 10,712 (%102) fi burqaa tamsaasa qabu misoomsuu 779 karoorfamee ture keessaa raawwiin 255 (%32.73) ijaaruun jira. Akka waliigalaatti ijaarsa bishaan dhugaatii waggoota KGT-II keessaatti 42,879 ijaaruuf karoorfamee hanga dhuma KGT-II irratti ijaarsi bishaan dhugaatii 24,651 (%57) ta’u rawwatameera.

Giraafii 2.13: Ijaarsa Bishaan dhugaatii (2008-2012)



C. Hojiiwwan Bulchiinsa Iskiimota Bishaan Dhugaatii

Iskiimonni tajaajila ittifufinsaa akka kennaniif hojiilee opireeshinii, suphaa fi haaromsa buufataalee bishaan dhugaatii cimsuun barabaachisaadha. Haaluma kanaan, iskiimota tajaajila hin kennine akka gabaasa SDG biyyooleessatti bara 2008 %11.2 irra ture bara 2009 gara %11 gad-kan bu'e yoo ta'u, akka naannoo keenyaatti iskiimota bishaan dhugaatii tajaajila hin kennine ykn "non-functional rate''bara xumura KGT-I irratti %15 kan ture xumura KGT-II irraatti gara %5 gad-buusuuf karoorfamee ture keessaa raawwiin %6.52 gad-buusuun kan danda'amee yoo ta`u, kunis giddugaleessaan waggaatti dhibbantaa 15.35 hira'chaa akka dhufe agarsiisa. Raawwii kana irra akkuma hubachuun danda`amuutti iskiimota KGT-II keessatti %56.66 ta'an ijaaramanii hojii keessa kan hin jirre ta'uu agarsiisa. Kanaafuu, rakkoo gama kanaan jiru xiinxaluun bu`ura irra hiikuuf iskiimota tajaajila osoo kennuu qabanii sababa adda addaatii tajaajilaan alaa ta`anii jiran hojiitti galchuun dhimma xiyyeeffannaa fi kallattiin hojii ta'uu kan qabuudha.

Giraafii 2.14: Iskiimota Bishaan Dhugaatii tajaajila hin kenninee (2008-2012)



Madda: Biiroo Bishaanii fi Inerjii Oromiyaa, (2008-2012)

Akka waliigalatti, hanqinaleen adeemsa hojii waliin gahinsa tajaajila bishaan dhugaatii qul-qulluu dhiyeessuu keessatti mul'achaa turan keessaa hanqina hooggansa pirojeektii, hanqina dandeettii teknikaa, rakkoolee gama qorannoo fi dizaaynii, gurmaa'insa hojii ijaarsa bishaanii fi bulchiinsa tajaajila bishaanii fi hubannoo fi xiyyeeffannaa kunuunsa qabeenya bishaaniif godhamu sadarkaa hawasaa garaagaraa bira jiru jijjiiruuf hojiin hojjetame gad-bu'aa ta'uun qisaasama guddaa uumee jira. Kana malees, rakkoo kuufama filooraaydii fi soogiddummaa bal`inaan mudachuu, keessumaa iyyuu naannoo sulula qinxamaa ykn riifti vaalii keessatti kan argamu waliin gahinsa irraatti dhiibbaa guddaa kan geesisaa jirudha.Hanqinaalee turan hir`isuuf teknoolojiiwwan ammayyaa fi bu'aa qabeessa ta'an madaqsuu fi kan duraan jiru ciminaan hojii irra akka oolchu hojjetamuu qaba.

2. Misooma Inarjii

Bara karoora KGT-II keessatti madda Inerjii haaroonfamaa babal'isuu fi mancaatii qabeenya uummamaa fi hawaas-diinagdee irratti qaqqabu xiqqeessuun hawaasni naannoo keenya jireenya fooyya'aa akka jiraatuuf kallattiin qaamolee gahee qabaniif ka'ame raawwii isaatiif immoo tumsi barbaachisaa taasifamaa ture jira. Haaluma kanaan gama misooma Inerjiitiin hojiiwwan KGT-II keessa gosa gosaan raawwatamu akka armaan gadiitti kan ibsaman ta`u.

A.**Hojiiwwan Waliin Gahinsa Maddoota Inerjii Haaroonfamaa**

Xumura KGT-I irratti teknoolojiiwwan humna haaroonfamaa ta'an kan akka geemoowwan qoraan qusatanii mil 4.2 raabsuun uummata biraan akka gahuuf karoorfamee ture keessaa xumura KGT-II irratti geemmoowwan qoraan qusatan mil 3.54 kan raabsamee yoo ta`u raawwiin isaa karoora KGT-I irraa waggatti giddugaleessaan %6.52 gad-bu'e jira. Akkasumaas, ijaarsa wirtuu oomisha geemmoo 96 ijaaruuf karoorfamee ture keessaa wirtuu oomisha geemmoo 91 kan ijaaramee yoo ta`u raawwii karoora KGT-I irraa waggaatti giddugaleessaan dhibbantaa 22.9 gad-bu'ee jira.

Gama ijaarsa teknoolojii hojii Inerjii baayoo gaazii KGT-II keessatti ijaarsa teknoolojii hojii Inerjii baayoo gaazii 4,800 qopheessuun akka babal'atuuf karoorfamee ture keessaa raawwiin Inerjii baayoo gaazii 3,067 qopheessuun abbaa warraa 15,335 ta'an fayyadamoo taasisuun danda'amee jira. Ijaarsi teknoolojii baayoo gaazii kun raawwii karoora KGT-I irraa waggaatti giddugaleessaan dhibbantaa 2.32 gad-bu'ee jira.

Gabatee 2.20: Raawwii Misooma Baayoo Inerjii (2008 -2012)

Gosa Hojii	**Saf**	**Hanga**	**Karoora**	**Raawwii bara 2008-2012**				
		2007	2008 – 2012	2008	2009	2010	2011	2012
Geemoo qoraan qusatan raabsuu	mil	4,952,712	4,199,997	685,259	707,139	791,221	682,030	3.5
Wirtuu oomisha geemowwanii ijaaruu	kum	334	96		17	15	17	91
Ijaarsa baayoo gaazii gaggeessuu	kum	3,448	4,800	522	577	876	674	3.067

Madda: Biiroo Bishaanii fi Inerjii Oromiyaa

B.**Qorannoo fi Ijaarsa Elektirifikeeshinii**

Akka biyyoolessaatti xumura KGT-I humna anniissa elektirikaa MW 2,400 maddisiisuun anniissa ibsaa maddee GWS 9,515.06, fi qisaasama anniisa ibsaa buufataalee hir'isuu %17 irra ture bara baajeta 2010 duraa duubaan MW 4,269.5, GWS 13,852.70(%20) irra jira. Akkasumas, dhaqabummaan isaa xumura KGT-I irratti %54 ture bara baajeta 2010 karaa sararri ibsaa irra darbuu kanneen dhiyeenyatti jiran fayyadamoo taasisuun gara %58.6 akka ol-guddatee jira (NPC report, 2011). Akka ragaan kun ibsutti hanqina anniisaa jiru irraan kan ka'e %42 dhaqabummaa taasisuu dhabuun akkuma jirutti ta'ee reettiin qisaasamaa hir'achuu qabu %3 dabalee kan jiru dha.

Hanqina dhaqabummaa kanaa fi qisaasma anniisaa dabalaa jiru kana hirri'suuf sirreeffamni hooggansa anniisaa ibsaa fi pirojeektota sadarkaa gadiitti diriiree hojjetamuu qaba. Rakkooleen adeemsa dhiyeessii fi waliin gahinsa tajaajila ibsaa, humna ibsaa maddisiifamee jiruu fedhii akka biyyaatti jiruun walsimuu dhabuu fi humnuma jiru karaa haqa qabeessa ta'een tajaajilaaf oolchuu dhabuu

akkasumas, qaawaa sirni hordoffii fi deeggarsa mootummaa biyyoolessaa fi naannoo giddutti jiruun uuwwisaa taajajila gama kanaan hawaasni argaachuu qabu argachaa kan hin jirre ta'uu mul'isa.

Akka naannoo keenyaatti gama hojii qorannoo fi fedhii humna elektirikaa dhaabbilee hawaasaa kan paampii bishaan 'shallow well' fi 'motorized' dabalatee saayitoota 8,654 irratti karoorfamee ture, saayitoota 1,259 (%14.55) qofti raawwatee jira. Haaluma wal-fakkaatuun gama hojii qorannoo fi ijaarsa elektirifikeeshiniitiin waggoota KGT-II keessatti dhaabbilee hawaasaa adda addaa 2,165 ta'aniif soolaarii galchuuf karoorfamee ture keessaa giddugaleessaan waggaatti %12.15 gad-bu'uun dhaabbilee hawaasaa 525(%24.25) qofa tajaajila humna elektirikaa aduu akka argatan ta'ee jira. Kunis, Sababa hanqina baajetaatiin raawwiin isaa gad-bu'uu danda'ee jira.

Bifuma wal-fakkatuun xumura KGT-I irratti gama raabsaa soolaarii laaternii fi man-tokkee akkasumas raabsaa soolaarii aduu ho'istuun abbaa warraa 662,935 ta'aniif raabsuuf karoorfamee ture keessaa hanga xumura KGT-II abbaa warraa kum 409.82 (%49.66) raabsuun danda'amee jira. Reettiin guddina raabasa isaa %32.51 giddugaleessaan waggaatti dabalaa haa deemu malee raawwiin isaa karoora waliin yoo madaalamu sababa hanqina dhiyeessi meeshaalee soolaarii fi haalli mijataan liqii naannoo irratti jiraachuu dhabuu irraan kan ka'e raawwiin isaa gad-bu'uu danda'eera.

Gabatee 2.21: Raawwii hojiiwwan elektirifikeeshinii (2008-2012)

Gosa Hojii	Saf	2007	Karoora 2008 – 2012	Raawwii bara 2008-2012					
				2008	2009	2010	2011	2012	Bakka gahame
Elektirifikeeshini baadiyyaa									
Qorannoo dhaabbilee hawaasaa humna Aduu gaggeessuu	Saayitii	1,854	8,654	477	312	359	-	111	1,259
Ijaarsa solaarii dhaabbilee hawaasaa gaggeessuu	Saayitii	1,003	2,165	435	20	9	-	61	525
Raabsa Soolarii Lantarnii fi man- tokkee gaggeessuu	Lakk	80,577	662,935	93,899	78,353	45,084	69,524	42,380	329,240
Mandaroota humna elektirikii OUEAPtiin argatan	Lak.	3,086	3,926	145	203	143	785	668.04	1944.04
Uwwisa humna ibsaa									
Gandaan	%	25.2	85	26.9	29.2	37.7	41.84	47.49	47.49
Mandaraan[1]	%	11.2	40	13.3	16.1	17	18.56	21.05	21.05
Ummataan	%	20.4	80.4	22.1	24.4	33.1	35.81	47.91	47.91

Madda: Biiroo Bishaanii fi Inerjii Oromiyaa,2012

Gama biraatiin waliin gahinsa humna elektirikaa mandarootaa xumura KGT-I irratti mandaroota 3,926 ta'aniif tajaajila humna elektirikaa karaa sagantaa (OUEAP) dhiyeessuun humna ibsaa akka argatan karoorfamee ture keessaa mandaroonni 667 (%17)tajaajila ibsaa kan argatan yammuu ta'u hawaasa naannichaa mil 2.67 ta'u fayyadamaa taasisuun danda'amee jira.

Misooma Inerjii waliin gahinsa humna ibsaa xumura KGT-I irratti %20.4 irra kan ture xumura KGT-II irratti gara %80.4 ol-guddisuuf karoorfamee kan ture waggaatti giddugaleessaan dhibbantaa 8.96n guddachuun %47.91 (gandaan %25.2 kan trure gara %85 guddisuuf karoorfamee %36.5 kan gahee fi , mandaraan %11.2 irra kan ture %40 irraan gahuuf karoorfamee waggatti giddu galeessan %6.40 guddisuun gara %15.28 tiin gahuun kan danda'amee fi uummata %31.34 bira kan gahedha.) irra gahuun danda'ameera. Uwwisni ibsaa sadarkaa naannoo, sadarkaa baadiyaa fi magaalatti garaagarummaa qabaatuyyu hanqina bal'aa akka qabu raawwii armaan olii irraa hubachuun ni danda'ama.

Akka waliigalatti adeemsi dhiyeessii waliingahinsa tajaajila ibsaa irratti ture sadarkaa Mootummaa biyyoolessaatti qabamee kan ture ta'uu fi walitti dhiyeenyaan hojjechuu dhabuu, hojimaanni dhiyeessiif jiru iftoominaan hojii irra ooluu dhabuu, humni ibsaa maddisiifamee jiru fedhii akka naannoo keenyatti jiruun walsimuu dhabuu fi humnuma jiru karaa haqa qabeessa ta'een tajaajilaaf oolchuu dhabuu. Akkasumas, sirni hordoffii fi deeggarsa mootummaa biyyoolessaa fi naannoo gidduutti jiruu fi uwwisni tajaajila ibsaa gandoota, mandarootaa fi uummataa qabnu waliin jiruu hanqina waan qabuuf tajaajila gama kanaan jiru hawaasni argachuu qabu akka hin arganneef sababa ijoo ta'ee waan ture karoora yeroo itti aanu keessatti xiyyeeffannoon kennamee hojjetamu qaba.

Giraafii 2.15: Uwwisa humna ibsaa dhibbantaan(2008-2012)



3. Misooma Daandii

Misoomni daandii walitti hidhaminsa uummata baadiyaa fi magaalaa cimsuun jiruu fi jireenyi hawaasa baadiyaa fi magaalaa akka fooyya'u taasisuun hidda dhiiga guddina hawaas-diinagdee biyyaa ta'ee tajaajiluu keessatti gahee ol-aanaa qaabaachuu isaatiin karoora ijoo ce'umsa gara Induustiriitti biyyii fi naannoon keenya qabatee jiru dhugoomsuuf gahee ol-aanaa qabuun baadiyaa fi magaalonni tajaajila daandii argachuun walitti hidhaminsa cimaa ta'e gama hawaas-diinagdeen qabaachuun murteessaa waan ta'eef, daandii misoomsuun xiyyeeffannaa ol-aanaa mootummaa ta'ee hojjetamaa ture jira.

Haaluma kanaan, KGT-II keessatti daandii baay'inaa fi qul-qullinaan dabaluuf hojiiwwan ijaarsa daandiiwwan sagantaa waliin gahinsa daandii baadiyaa fi pirojeektotaa, daandii cirrachaa uwwisuu fi daandii asphaaltii hojjechuu, riqaalee gosa adda addaa ijaaruudhaa fi gama bulchiinsaan immoo hojiileen gurguddoo

ijaarsaa fi suphaa misooma daandiwwaan baadiyaa fi magaalaa keessattii daandii ittifufinsaan tajaajila gahaa akka kennuuf suphaa salphaa fi cimaa hojjechuu akka karooraa fi kallattii hojiitti qabamee raawwatamaa turee jira. Kunis baajeta mootummaa (naannoo, godinaa fi aanaa fi hirmaannaa uummataatiin (humnaa fi buusii taasifamuun hojjetamuu) fi deeggarsaa baajeta federaalaa fi AGP kan gaggeeffamaa jiru dha. Kunis hawaasni naannoo keenyaa saa'aatii muraasaa deemuun daandii km gabaabaa itti dhiyeenyaatti akka argatuuf carraaqqiin guddaan taasifamaa turee jira.

A. Ijaarsa Daandii

Akka biyyittitti uummanni %37 ta'u daandii bonaa fi gannaa irraa fageenya km 5 caaluu irratti argama. Agarsiiftuu kanaaf dhaabbanni UN safartuu lafa ka'e akka ibsutti giddugaleessaan uummanni baadiyaa daandii bonaa fi gannaa irraa fageenya km 2 gadii irratti argamuu akka qabu istaandardiin jiru lafa kaa`a. Akka shallaggii 'Rural Access Index' (RAI) xumura KGT-I (bara 2007/2015) irraa kaasee uummanni baadiyaa jiraatu gara %76.7 kan ta'u hanqina tajaajila daandii bonaa fi gannaa kan qabu ta'uusaa rageessee jira.

Akka naannoo keenyaatti ijaarsa daandiwwanii xumura KGT-I irratti km 43,313 (SWGDB km 27,797, cirrachii km 11,283 fi asfaaltii km 4,233) ture xumura KGT-II daandiiwwan haaraa km 33,674 dabalataan ijaaruudhaan qabeenya daandii Oromiyaa gara km 76,986 guddisuun, gobbina daandii (road density) bal'inaa lafaatiin xumura KGT-I irratti 119.27 km/1000km2 irra ture gara 212km/1000km2 fi baay'ina uummataatiin1.28km/nama 1000 irra ture gara 1.97km/nama 1000 guddisuuf karoorfamee daandiin km 12,502 kan ijaaramee tajaajila kennaa jiru yammuu ta'u, karoora ijaarsa daandii waggaa shanii keessaa %15.51 qofa akka raawwatame agarsiisa. Kunis waggaatti guddina giddugaleessaan %4.98 guddachuu isaa ragaa armaan gadii irraa hubachuun ni danda'ama. Akka waliigalaatti yeroo ammaa kana qabeenya daandii naannoo keenyaa xumura KGT-II irratti km 55,815.22, gobbina daandii bal'ina lafaatiin km 153.60/1000 km2 fi baay'ina uummataan km 1.44 /nama 1000 irraan gahuun danda'amee jira.

Gabatee 2.22 : Qabeenyaa fi gobbina daandii naannoo Oromiyaa (2008-2012)

Gosa hojii	af	Bara 2007	Manii 2008-2012	Raawwii bara 2008- 2012					Bakka gahame	Reetti (%)
				2008	2009	2010	2011	2012		
dheerina daandii bonaa fi gannaa	Km	43313.1	33674	4,341.8	2,462.47	1,734.03	115.54	2243.27	55,815.22	4.98
Gobbina daandii	Km/ $1000k^2$	119.27	212	131.23	138.01	142.78	145.87	152.05	153.60	4.97
Rukkina daandii	Km/1000	1.28	1.97	1.47	1.55	1.36	1.42	1.45	1.44	2.52

Madda: Abbaa Taaytaa Daandiiwwan Oromiyaa, 2012

Uwwisa daandii bal'ina lafaatiin giddugaleessaan waggaatti %5.18 fi baay'ina uummataan waggatti giddu galeessaan %2.38 dabalaa akka dhufee ragaa jiru irraa hubachuun ni danda'ama. Kun ammoo Reettiin guddina misooma daandii baay'ee harkifataa akka ta'e agarsiisa; kun kan ta'uu danda'eef sababoota bulchiinsa kontiraataa, hanqina dandeetti humna namaa ijaarsa irratti qabuu fi hanqina ramaddii fi yeroodhaa gadi lakkisuu dhabuu baajetaa akka ta'e xiinxalamee jira.

B. Facaatii Daandii Godinaalee

Facaatii daandii godinaalee, aanotaa fi gandootaa walgitinsa qabuun akka babal'atu gochuudhaan uummanni naannichaa tajaajila hawaas-diinagdee amansiisaa fi haqa qabeessa ta'e argatee jiruu fi jireenya isaa akka fooyyessu gochuun murteessaa waan ta'eef kaayyoo kana galmaan gahuuf bara karooraa hojii KGT-II kana keessatti facaatii ijaarsaa daandiiwwanii fi waliin gahinsa isaa godinaan ilaaluu fi bara karoora itti aanu keessatti iddoo xiyyeeffannoo guddaa itti barbaachisuu murteessuun kallatti karoora hojii gochuun barbaachisaadha. Haaluma kanaan facaatiin qabeenya daandii fi uwwisni daandii godinaale mootummaa naannoo Oromiyaa akka armaan gadii keessatti ibsamee jira.

Gabatee 2.23: Facaatii Qabeenya Daandii fi uwwisa daandii Godinaalee

TL	Godinaalee	Aanaalee	Baay'ina Gandoota Baadiyaa		Bal'ina lafaa km^2	Baay'ina Uummataa (Pop. Estimation 2012)	Dheerina waligalaa	Gobbina Bal'ina Lafaatiin	Gobbina Uummataa	Daandii guddaa bira gahuuf yeroo fudhatu
			Daandii Argatani	Daandii Hin qabne						
1	Arsii	25	418	93	21,009	3,789,393.24	3,422.60	162.9	0.9	3.1
2	Arsii Lixaa	13	266	58	12,556	2,911,206.11	2,345.07	186.8	0.8	2.7
3	Baalee	18	255	79	63,555	2,027,419.14	3,513.26	55.3	1.7	9
4	Boorana	13	122	48	63,939	1,385,826.39	2,157.52	33.7	1.6	14.8
5	B.Beddellee	9	213	17	6,887.75	824,984.54	1,288.66	187.1	1.6	2.7
6	GAONF	6	134	9	4,809.00	1,017,034.41	1,282.82	266.8	1.26	1.9
7	Gujii	14	238	32	13,747.2	1,101,413.15	2,738.12	199.2	2.5	2.5
8	Gujii Lixaa	9	154	18	19,542.8	901,156.21	1,335.97	68.4	1.5	7.3
9	Har. Bahaa	20	459	96	26,308	3,917,909.52	3,229.35	122.8	0.8	4.1
10	Har.Lixaa	15	361	93	17,779	2,694,380.81	2,320.69	130.5	0.9	3.8
11	H.G.Wallag.	11	156	20	7,869.00	825,121.19	2,063.38	262.2	2.5	1.9
12	I.A. Booraa	13	242	20	9,996.25	1,008,314.43	1,826.24	182.7	1.8	2.7
13	Jimmaa	20	366	121	18,696	3,759,366.99	3,735.05	199.8	1	2.5
14	Q.Wallagga	11	242	14	10,488	1,146,015.62	1,334.80	127.3	1.2	3.9
15	Sh.k.Lixaa	11	259	9	5,813	1,316,654.25	1,927.68	331.6	1.5	1.5
16	Sh.Bahaa	10	273	21	9,547	2,257,618.79	2,321.31	243.1	1	2.1
17	Sh.Kaabaa	13	216	52	8,989	1,693,055.75	1,655.28	184.1	1	2.7
18	Sh.Lixaa	22	430	100	14,371	2,824,467.22	2,771.39	192.8	1	2.6
19	Wal. Bahaa	18	268	19	14,103	1,449,075.66	2,529.97	179.4	1.7	2.8
20	Wall. Lixaa	20	409	78	13,131	1,964,293.31	2,636.37	200.8	1.3	2.5
21	**Oromiyaa**	**291**	**5,481**	**997**	**363,136**	**38,814,706.74**	**55,251.19**	**152.05**	**1.5**	**3.91**

Madda: Abbaa Taaytaa Daandiiwwan Oromiyaa, 2012

**Oromia land coverage with 363,376 square kilometers;;; ** Oromia total population projection 38,170 (in thousands)

Akka ragaa gabatee armaan olii keessatti ibsee jiruun hanga dhuma bara KGT-II godinaleen Shawaa kibba lixaa gobbina daandii bal'ina lafaatiin 331.6/ km 21000 fi baay'ina uummataan 1.5 km/nama 1000, godina addaa naannawwaa Finfinnee gobbina daandii bal'ina lafaatiin 266,8/ km21000 fi baay'ina uummataan 1.26km/nama 1000 fi godinni Horroo Guduruu Wallaggaa gobbina daandii bal'ina lafaatiin 262.2/ km21000 fi baay'ina uummataan 2.5km/nama 1000 qabaachuun sadarkaa fooyyee irra kan jiran yoo ta'u godinaaleen akka Booranaa gobbina daandii bal'ina lafaatiin 33.74/ km21000 fi baay'ina uummataan 1.55 km/nama 1000, godina Baalee gobbina daandii bal'ina lafaatiin 55.27/ km2 1000 fi baay'ina uummataan 1.73km/nama1000 fi godinni Gujii Lixaa gobbina daandii bal'ina lafaatiin 68.36/ km21000 fi baay'ina uumaatan 1.48km/nama1000 qabachuun godinaalee sadarkaa gadii irratti kan argaman yoo ta'u wal-gitinsa ijaarsa daandii godinaalee jidduu jiru dhiphisuuf hojiin guddaan hojjetamuu akka qabuudha. Kanaafuu, bara karoora hojii itti aanu keessatti bal'ina lafa isaanii waliin kan wal-gitu ijaarsi daandii haaraa akka isaan barbaachisu ragaan gobbina daandii bal'ina lafa isaanii duraa dubaan ni mul'isa. Kanaaf bara karoora itti aanu keessatti godina Boorana, Baalee fi Gujiin Lixaa godinoota sadarkaa duraa irratti xiyyeeffanna kan barbaadaniidha.

C. Ijaarsa Riqaalee SWGDB

Ijaarsa riqaaleen dhuma KGT-II irratti riqicha sarara daandii SWGDB keessaatti argaman 206 keessa 29 kan xumuraman yoommuu ta'u riqaaleen bulan 177 fi riqaalee haaraa 816 waliigala riqaalee 993 ijaaruuf karoorfamee ture keessaa xumura KGT-II riqaaleen bulan 175(%98.87) fi haaraa 68(%8.33) waliigalatti riqaaleen 243 kan raawwatame yoomuu ta'u akka waliigalaatti %24.47 irra gahee jira.

D. Suphaa fi Bulchiinsa Qabeenya Daandii

Daandiin ijaarame tajaajila wal-irraa hin cinne akka kennuu danda'uuf suphaan yeroo isaa eeggate gaggeessuun barbaachisaadha. Haaluma kanaan baroottan KGT-II keessatti hojii suphaa daandiiwwanii km 159,550 (suphaa cimaa km 48,607 fi salphaa km 111,163) gaggeessuuf karoorfame ture keessaa xumura KGT-II keessatti hojii suphaa daandiwwanii km 21,360.29 (suphaa cimaa km 6,151.08 fi suphaa salphaan km 15,209.21) suphuun akka waliigalaatti %11.84 gaggeeffamee jira.

Walumaagalatti raawwiin karoora misooma daandii waggoottan KGT-II keessatti karoorfamanii turan sababa rakkoo bulchiinsa projeektii, hanqina gahuumsaa fi dandeetii ooggummaa kontiraakterootaa fi gorsitootaa akkasumas, seera bulchiinsaa projeektii bifa eegeen hordoffii fi gamaaggama wal-irraa hin cinne gaggeessuu dhabuun raawwiin gad-bu'ee jira. Kanaaf, karoora yeroo itti aanu keessatti hojii osoo hin xumuramiin hafan xumursiisuu fi rakkoo gama bulchiinsa Pirojeektotaatiin jiru seera bulchiinsaa projeektii bifa eegeen hordoffii fi gamaaggama wal-irraa hin cinne gaggeessuun hanqina jiru furaa demuun barbaachisaa dha.

2.2.6. Misooma Albuudaa

Qabeenya albuuda naannoo keenyaa qabu qoratamee karaa seera qabeessa ta'een misooma guddina naannichaa fi biyyiitiif gahee isaa akka gumaachu gochuuf baroottan darban keessatti sirnii fi hubannoon ifa ta'e qabeenya albuudaa jiru adda baasuu, misoomsuu, bulchuu, ittifayyadamuu, hordofuu fi to'achuutiin akka biyyaattis ta'e akka naannootti jiraachuu dhabuun qabeenyichi qisaasamaaf kan saaxilamaa ture ta'u irra darbee bu'an gama kanaan dhufuu malu akka hin dhufne taasisee jira. Kanaafuu, seerotaa fi qajelfamoota jiran irratti hundaa'uudhaan akka misoomuuf qaamota misoomsaniif haala mijeessuun barbaachisaa dha.

1. **Adda Baafannaa Qabeenya Albuudaa**

Waggoota KGT-II keessatti qorannoo qabeenya albuuda adda baafannaa haala teessuma lafaa Oromiyaan qabdu irraa ka'uudhaan albuuda akka salphaatti waldaleen IMX irratti bobba'anii hojjechuu danda'an adda baasanii waldalee kan irratti hiramaachisuuf yaadamee lafa bal'inni isaa km2 1000 ta'u irratti adda baafannaan qabeenya albuudaa gaggeessuuf karoorfamee lafa bal'inni isaa km2 1,394 ta'u iirratti adda baafannaan qabeenya albuudaa gaggeeffamee jira. Hojii adda bafannaan raawwatame kanaan albuuda dhagaa miidhaginaa, kabajamoo, gar-tokkee kabajamoo, albuuda induustirii fi ijaarsaa, akkasumas albuudonni sibiilaa adda bahanii jiru.

1. **Hayyama Albuudaa**

A. Hayyama Haaraa Kennuu

Bara karoora 2007 haayyamni hojii misooma albuudaa haaraa 9,730 kennuuf karoorfamee ture keessaa 6,736(%69.2) kennameera. Haaluma wal-fakkatuun bara karoora hojii KGT-II keessatti albuudaalee adda bahan keessaa kanneen misoomni albuuda irratti gaggeeffamuu danda'u sakatta'uun qaama hojii kan gaggeessuuf haayyama oomisha albuudaa kennuun qabeenyi kun karaa seeraa fi haqa qabeessa ta'een misoomee guddina diinagdee naannoo keenyaa keessatti gahee isaa akka bahuu fi galii biyya keessaa fi alaa akka fiduuf hayyama hojiiwwan albuudaa gosa adda addaa haaraa 10,400 kennuuf karoorfamee ture keessaa hanga bara 2012 hayyama 8,161 kennuun danda'amee jira. Akkaa waliigalatti waggoota kurnan darban kan keessatti waliigala hayyamni albuudaa haaraa 20,130 kennuuf karoorfamee keessaa hayyama 14,897 kennuun danda'amee jira. Haaluma kanaan Reettii guddina kenna hayyamaa waggoottan shanan darban waggaatti giddu galeessaan %3.91 daballii hayyama agarsiisee jira. Haa ta'u malee hayyaamni kennama jiru gahaa akka hin taneef dhibbantaa guddina waggaa irraa hubachuun ni danda'ama.

B. Hayyama Haaromsuu

Bifuma wal-fakkaatuun baroota karoora shanan darban keessatti hojiiwwan albuuda hojii keessa jiranii fi barri hayyama isaanii xumurame hayyama 6,530 haromsuuf karoorfamee ture keessaa hanga bara 2012 hayyama 5,271 haroomsuun danda'ameera. Akkasumas hojii albuudaa keessatti to'annoo fi hordoffii gaggeeffameen hayyama rakkoo qaban adda baasuun hayyamni 215 akka haqaman ta'ee jira.

2. **Hojiiwwan Bulchiinsa Albuudaa**

A. Oomisha Albuuda Ijaarsaa

Raawwii hojii oomisha albuuda ijaarsaa xumura KGT-I m3 mil 23.87 irra ture bara karoora hojii KGT-II keessatti hojiiwwan oomisha albuuda ijaarsaa m3 mil 50 oomishuuf kan karoorfame yommuu ta'u hanga 2012 albuuda ijaarsaa m3 mil 39.48 oomishamee jira. Raawwiin oomisha albuuda ijaarsaa KGT-II raawwii oomisha albuuda ijaarsaa KGT-I waliin walbira qabuun yoo ilaalamu raawwiin KGT-II keessatti raawwatame fooyyee kan qabuudha.

Haa ta'u malee, karooraa fi raawwii wal bira qabuun yoo ilaalamu raawwiin gad-aanaa dha. Kunis, sababa hayyama albuudaa baay'een seerota albuudaa eeganii hin hojjetamneef haqamuu, abbootiin hayyama albuudaa humna guutuun hojjechuu dadhabuu, hanqina sharafa alaa irraa kan ka'e meeshaalee oomisha albuudaaf oolan haala barbadamuun guttachuu dhabuun sababoota gurguddoo raawwiin kun akka gad-bu'u godhaniidha. Kanaaf, karoora itti aanu keessatti toora xiyyeeffannoo ta'anii akka irratti hojjetaman gochuun dhimma xiyyeeffannoo barbaaduu dha.

B. Oomisha Albuuda Induustirii

Bara xumura KGT-I oomishni albuuda Induustirii m3 mil 1.8 oomishuun kan danda'amee yommuu ta'u bara karoora KGT-II keessatti albuuda Induustirii

oomishuuf m3 mil 5.69 karoorfamee keessaa hanga bara 2012 raawwiin isaa m3 mil 11.70 oomishuun danda'amee jira. Raawwii karoora hojii KGT-II yammuu ilaallu karooraan ol kan oomishamee jira. Kunis, sababa warshaaleen simmintoo haaraa ijaaramanii oomishatti galuu, warshaaleen xixiqqaan albuuda jeessootti sona dabalan dhaabbachuu fi waldaaleen IMX gurmaa'an baay'een isaanii oomisha albuuda Induustirii irratti bobba'uu akka sababatti kaa'uun ni danda'ama.

C. Oomisha Albuuda Sookoo

Oomishni albuuda sookoo mala aadaa fi ammayyaatiin oomishame KGT-I keessatti kg kuma 16.43 gabaaf dhiyaate ture waggaatti guddugaleessan dhibbantaa 22.6 guddisuun xumura KGT-II kg kuma 37.18 baankii biyyoolessaaf dhiyeessuuf karoorfamee ture keessaa hanga bara 2012 albuuda sookoo kg kuma 5.45 qofa oomishuun gabaaf dhiyeessuun danda'amee jira.

E. Oomisha Dhagaa Miidhaginaa

Bara karoora KGT-II keessatti oomisha dhagaa miidhaginaa kg kuma 309.333 oomishuuf kaoorfamee ture keessaa hanga bara 2012 albuuda dhagaa miidhaginaa kg kuma 83.81 oomishuun akka gabaaf dhiyaatu ta'ee jira.

3. Galii Oomisha Albuudaa irraa Argame

Galii fi kenna hayyama hojiiwwan albuudaa KGT-I keessatti galii giddugaleessaan waggaatti qr mil 46.6 argamee ture mil 135 ol-guddatee kan ture yoo ta'u, xumura KGT-II keessatti gara qr mil 675 irraan gahuuf kan karoorfamee keessaa galii giddu galeessaan waggaatti qr mil 95 argachuudhaan qr mil 475 sassaabamee galii ta'ee jira. Akkasumas, albuuda al-ergee irraa sharafa alaa USD mil 22.50 galii argamsiisuuf karoorfamee ture keessaa sharafni biyya alaa USD mil 23.00 ol kan ta'u argamee jira. Gama galii misooma albuuda irraa sassabamuu raawwiin isaa karooraa gadi dha. Kunis, raawwiin oomisha albuuda

tokko tokko gad-bu'uu, al-seerummaan hojii albuudaa keessatti babal'achuu fi xiyyeeffannoon albuuda biyya keessatti oomishamuu kennamaa jiru laafaa ta'uu fi albuudonni oomisha gabaa dhabuun rakkoolee raawwii keessatti mula'atan xiyyeeffannoo gara fuula duraatti barbaadandha.

4. **Carraa Hojii Gama Misooma Albuudanii**

Misooma albuudaa keessatti itti fayyadamummaa hawaasaa mirkaneessuuf carraa hojii misooma irraa KGT-II keessatti dargaggootaa fi dubartoota hojii dhabeeyyii ta'aniif carraan hojii namoota 411,750 uumuuf karoorfamee keessaa namoota 303,430 (dhiira 206,332 fi dubara 97,098) ta'aniif carraan hojii uumamee jira.

5. **Hojiiwwan Eegumsa Naannoo Albuudaa**

Hojiin eegumsaa fi kunuunsa qabeenya uumamaa dhimma xiyyeeffannaa guddaa barbaadu yommuu ta'u hojiiwwan misooma albuudaa gaggeessuun walqabatee miidhaa naannoo irraa gaha jiru xiqqeessuuf bakka albuunni irraa oomishame deebisaanii misoomsuuf lafa hek 25 akka irra deebi'amee misoomuuf kan karoorfame yoo ta'u hanga bara 2011 hek 169 kan ta'u misoomsuun danda'amee jira.

Rakkoon akka misooma albuuda naannoo keenyaatti baroottan darban keessa adda bahan ragaa aleen qabeenya albuuda qul-qulluu fi sadarkaan isaanii eegame gurmaa'inaa fi qindaamina jabaa qabu jiraachuu dhabuu, hirmaannaa fi hubannoo hawaasaa, qooda fudhatootaa fi dhaabbilee adda addaa misooma albuudaa irratti jiru sadarkaa barbaadamuun guddachuu dhabuu, to'annoo fi hordoffiin hojiiwwan albuudaa irratti godhamu laafaa ta'uu fi babal'ina industirii fi itti fayyadama albuuda irraa kan ka'e naannoo irratti miidhaan mulachuun rakkoolee ijoo mul'ataniif bara karoora itti aanu keessatti furmaata barbaadandha.

Kanaaf bara karoora itti aanutti kallatti furmaata kan akka kuufama albuudaa naannoo keenya keessa jiran qo'annoodhan adda baasuu, sirna hirmaannaa uummataa fi qooda fudhattoota sektericharratti hirmaatan uumuu fi cimsuu, qajeelfama kunuunsa naannoo hojii irra olchuudhaan faalama naannoo hambisuu fi istaandardiiwwan jiran akka hojiirra oolan hordoffii walirraa hin cinne gaggeessuu fi sirna to'annoo, hordoffii fi gamaaggama ittifuufinsa qabu diriirsuu fi hojiirra oolchuun kallattii karoora itti aanu keessatti kan hordofamu ta'a.

2.3. Kilaastera Misooma Magaalaa

2.3.1.Misooma Magaalaa fi Manneenii

Galmi guddaan misooma magaalaa magaalota magariisa, qul-qulluu, rakkoo hawaas diinagdee keessatti hikamee ammayya'oo, giddugalaa teknoolojii fi induustirii ta'un guddina diinagdeef gummachan uumuudha.

Galma kana dhugoomsuuf akka tarsiimoon misooma magaalaa ibsutti kaayyoowwan gurguddoo 8 armaan gadiitti ibsaman irratti xiyyeeffachuun hojjechuun barbaachisadha. 1.Magaalota keenyaa magariisoo taasiisuuf paarkotaa, tulluuwwan, qarqara lageewwanii, hayyalaawwanii fi sululootaa abbootii qabeenyaa, hawaasa magaalaa fi dhimmamtoota hundaa hirmaachisuun misoomsuu. 2.Qulqullina magaalota eeguuf hojii gama misooma magaalotaatiin hojjetaman cinaatti hawaasa magaala sadarkaa hundaatti gurmeessuu fi caaseeffama dhimma kana hooggannuu zoonii fi gandoota magaalotaa keessaatti uumuun hawaasni qul-qullina gandaa fi naannoo isaa akka eeguu fi gummachasaa irraa barbaadamu akka taasisu gochuu. 3. Hirmannaa uummataa fi pirojeektota bu'uraaleen misooma gosa addaa magaalota keessaatti babal'isuu. 4. Dabalaa adeemuu uummataa magaalaatiin walqabatee ijaarsa seeraan alaa babal'ataa jiruu fi rakkoo mana jireenya hiikuuf abbootii qabeenyaa hirmaachisuun manneen waliin akka ijaaraman gochuun gatii madalaawwan namoota galii gad-aanaa qabaniif akka kennamu taasisuu. 5. Waldaalee adda addaa ijaaruu fi bakka balfa goggogaa deebisaanii itti fayyadaman ammayaa'aa ijaaruun faalama magaalotaa hir'isuu. 6. Hojii dhabdummaa magaalotaa keessatti babal'atee jiru hir'isuu fi ce'uumsa Induustirii mirkaneessuuf sekteroota dhimmi ilaalu waliin ta'uun maykiroo fi xixiqqaa fi inveestimentii magaalotaa keessatti babal'isuu. 7. Hawaasni magaalaa tajaajila geejjibaa si'ataa fi gatii madaalawwaa akka argatu gosa geejjibaa hundaa magaalota keessatti qamaa dhimmi ilaalu hundaa waliin ta'uun babal'isuu fi 8. Hawaasni magaalotaa tajaajila haqa qabeessa akka argatuu

fi ol-aantummaan seeraa magaalotaa keessaatti akka mirkanaa'u waajjirri haqaa magaalota keessatti akka babal'atuu taasisuudha.

Kana malees godaansa seeraan alaa magaalota keessatti babal'ataa dhufee fi kanaan walqabatee uummatoonni magaalaa dabalaa adeemu isaatiin rakkoon hawaas-diinagdee, faalamni naannoo fi ijaarsii seeraan alaa magaalota naannoo keessaatti akka babal'ataa jiru xiinxala gaggeeffame kanaan adda baaffachuun waan danda'ameef karoora waggaa kudhanii fulaa duraa keessatti dhimma sekterri misooma magaalaa xiyyeeffannoon irratti hojjetamuu kan qabu dha.

1. Hojiiwwan Pirojeektota Pilaanii Magaaloota

Magaalonni naannoo keenyaa pilaanii qopheefameefiin buluu fi hoogganamuun ammayya'oo ta'anii jireenya hawaasaaf mijataa gochuun bu'aa hawaas-diinagdeef akka gummachan taasisuuf qophii fi qorannon pilaanii magaalotaa bal'inan kan gaggeeffama ture ta'uun isaa ni yaadatama. Haalumma kannan bara (1999-2007) kaartaa bu'uraa 567 qopha'ee ture irratti dabalataan 566 qopheessuuf karoorfame keessaa raawwiin 379 (%70), pilaanii bu'ura 350 qopha'ee ture irratti dabalataan 400 qopheessuuf karoorfame keessaa raawwiin 282(%71), pilaanii caasawaa 76 qopha'ee dabalataan 11 qopheessuuf karoorfamee 20(%100 ol), misooma qe'ee 26 qopha'ee dabalataan 116 qopheessuuf karoorfamee ture keessaa kan raawwate 55(%47).

Pilaanii saxaxaa 5 qopha'ee tuer irratti dabalataan 15 qopheessuuf karoorfamee ture keessaa kan raawwate 27(%100 ol), GGB 512 qopha'ee irratti dabalataan 1000 qopheessuuf karoorfame keessaa raawwiin 328(%33), pilaanii tarsiima'aa 39 qopha'e tuer irratti dabalataan 39 qopheessuuf karoorfame keessaa kan raawwate 21(%54), duundhulaa(land scape) 5 qopheessuuf karoorfame keessaa raawwiin 2(%40) qopheessuun danda'ameera. Kana malees gahumsa humna raawwachiisummaa cimsuun bara (1999-2007) 5,000 kenname ture 8000 kennuuf karoorfamee ksn raawwate 8,164(%100 ol), hordooffii

raawwii fi deegarsa tekinika magaalota 491 kennamee ture irratti dabaluun 688 kennuuf karoorfamee kan ture keessaa 674(%98) raawwachuun danda'amee jira.

Pilaanota misooma qe'ee, GGB fi dundhulaa (land scape) raawwiin isaanii KGT-II kana keessatti baayee gad-aanaa ta'u, pilaanotii kanneen raawwiin isaanii sadarkaa giddu galeessaatti akka argamuu fi raawwiin pilaanii caasawaa fi saxaxaa karooraa ol akka raawwatamee mul'isa. Sirni hordoffii fi deegarsa tekinika magaalotaa Inistiitiyuutii Pilaanii Magaalotaan gaggeeffamu raawwiin KGT-II isaa haala fooyya'aa irratti haa argamu malee bu'aa qabatamaa pilaaniin kun buuse waliin yommuu ilaallu bakka baayeetti hojii irra ooluu irratti hanqina guddaa akka qabu xiinxalaa kana irratti hubatameera.

Kuniis ogeessoota muraasa qofaan waan hojjeetamuu fi hooggansi ol-aanaa magaalaa hojii pilaanii kana abbummaan qabachuun hoogganuu irra akka hojii ogeessaa qofaatti waan ilaaluu fi pilaaniin hoogganamuufiis feedhii dhabuun waan mul'atuuf pilaaniiwwan qophaa'an kana lafarattii hojiirraa oolchuuf rakkoo ta'uun hubatameera. Kana malees caasaadhan oggeessoonni pilaanii kana akka lafaa irra bu'u godhan mana qopheessaa keessaa dhibuun akka rakko tokkotti xiinxala kanaan ilaalamee jira.

2. **Misooma Bu'uraalee Misooma Magaalaa**

Xumura KGT-I hirmaannaan uummataa humna namoota 22,846,545 hojiiwwan bu'uraalee misooma adda addaa irratti hirmaatee turee si'a ta'u karoora KGT-II keessatti immoo gara 28,900,000 kan ture keessaa kan raawwate ykn kan hirmaatee 30,178,012 yoo ta'u, gara qarshiiti yoo jijjiiramu Qr mil 817,708,716, mallaaqa caallaa KGT-I keessa Qr mil 862.7 irraa turee KGT-II keessatti gara Qr mil 964,921,706 walitti qabamee hojiiwwan bu'ura misooma adda addaatiif akka oolu ta'e jira. Walumaagala hirmaannaa humnaa fi meeshaa gara qarshitti yeroo tilmamamuu fi maallaqa callaa Qr bil 2,704,985,686 ta'u hojiilee bu'ura misooma adda addaaf oole. Gama hirmaannaa uummataatiin KGT-I keessatti

%45 irra kan ture gara %70 guddisuuf karoorfame keessaa %38 ol-guddissuu kan danda'ame yoo ta'u raawwiin kun immoo kan hin raawwatamne ta'ee argameera. kuni immoo fedhii fi rakkoo bulchiinsaa gaarii magaala keessa jiru hiikuun uwwisa bu'uraalee misoomaa akka dabaluu taasisuu keessatti rakkoo ta'ee jira.

Hojiiwwan gurguddoo hirmannaa uummataa qofaan hojjetame keessaa gurguddoon: daandii keessaa keessaa km 3,012, daandii cirrachaa km 2,676, asfaaltii km 2, daandii dhagaa bocamaa km 119, bo'oo lolaa km 1,329, sararaa ibsaa diriirsuu km 1,479, sararaa bishaanii diriirsuu km 1,542, mana fincaan uummataa 1,127,boonnoo bishaanii 364 fi kkf...hirmannaa uummataa qofaan kan hojjetame yoo ta'u rakkoo hawaasummaa magaalota keessa jiru hanga tokko akka hiikkatu ta'ee jira.Waliigala raawwiin KGT-II kun kan agarsiisuu uummanni sadarkaa sadarkaan gurmaa'insaa isaa cimsuun eeggattummaa keessaa bahee hojiiwwaan hirmaannaa uummata adda addaa keessatti qooda isaa bahaa akka jiru kan agarsiisu ta'us baay'ina humna nama naannoo keenya keessa jiru waliin yoo ilaalamu ammas hojii guddaa kan nurraa barbaadu akka ta'e nama hubbachiisa.

Bara 2007-2011 gargaarsa ULGDP-II magaalota 11 keessatti qarshii IDA/world bank/ %60, naannoon %20, magaalota %20, waliigalaan qr 3,684,812,217 hojii bu'uraalee misoomaaf magaalota keessatti kan oolee fi bara 2012 magaalota 38 keessatti sagantaa UIIDP jedhaamuun qarshii IDA/world bank/ %60, naannoo %20, magaalota %20 waliigalan qarhii 1,281,470,820 gummaacha taasifameen hojii bu'uraalee misooma magaalotaa keessatti diriirfamuuf oolee jira.

Fandii bu'ura misooma magaalota keessatti hojii irra oola jiru ilaalchisee KGT-I keessa bara 2005 irraa egaalee magaalota 35 keessatti hojii irra oola kan turee yoo ta'u maallaqni sagantaa kanaaf ooluu qaama sadii irraa kan walitti dhufu yoo ta'u innis gahee naannoo, gahee magaalaa fi hirmaannaa uummataan kan hojii irraa oolaa jiru dha. KGT-II keessaatti gaheen naannoo qr 738,081,182, gaheen magaalotaa qr 603,576,098 fi gaheen hirmannaa uummataa qr 458,076,217

waliigalaan qr 1,799,733,497 hojii bu'ura misooma magaalaa keessatti diriirfamuuf oolee jira.

Gabatee armaan gadii kana irraa hubachuun akkuma danda'amu,babal'inni bu'uraalee misooma magaalota naannoo kenyaa keessatti qaamoolee adda addaa dhimmi ilaaluu hirmaannaa hawaasaa dabalatee qindoominaan waan hojjetameef raawwii daandii asfaaltii fi suphaa daandii asfaaltii gad-bu'aa ta'u irraa kan hafe raawwiin bu'uraalee hedduun karooraa KGt-II qabameef oliitti kan raawwatedha.

Hirmannaa uummaatatiin hojiin daandii haaraa saquu fi daadii cirraachaa hojjechuun bara 2009 keessaatti raawwiin isaanii kan dabalee yoo ta'u isa booda garuu gad-bu'uun bara 2010 hanga 2012 haala wal-fakkatuun kan raawwatameedha. Saraara bishaanii fi ibsaa diriirsuun bara 2010 keessaa raawwiin isaanii haala wal- fakkatuun kan ol-ka'ee yoo ta'u isaa booda immo gad-bu'uu fi ol-ka'uun haala wal-fakkatuun kan rawwataa tureedha. Bo'oo lolaa raawwiin isaa karooraa KGT-II waliin yoo ilaalamu sadarkaa gaarii irratti kan argamu yoo ta'u haalii raawwii isaa waggoottan shanan keessatti haala wal-fakkatuun xiqqoo gad-bu'uu fi ol-ka'uun kan raawwataa turedha.

Hirmannaan uummataatiin daandii asfaaltii hojjechuniis baayyee sadarkaa gad-aanaatti kan argamu yoo ta'u raawwiinisaas waggoottan shanan darban keessaatti haala wal-fakkatuun kan raawwatama tureedha. Haata'u malee ammas fedhii hawaasa magaalaa keessa jiruu fi bu'uraaleen misooma diriirfamee jiru waliin yoo ilaalluu kan wal hin madaalee akka ta'e hubatamee jira.

Gabatee 2.24: Babal’ina Bu’uraalee Misoomaa

T/L	Gosa hojii	Saf	Bara 2007	2008		2009		2010		2011		2012		KGT II
				Kar	Raaw	Kar	Raaw	Kar	Raaw	Kar	Raaw	Kar	Raaw	
1	Daandii keessa-keessaa haaraa saaquu	Km	6190	1238	1262	1548	1632	1870	1137	1099	1090	1238	1100	3012
2	Ijaarsa daandii cirrachaa	Km	4560	912	1190	1140	1856	1108	1007	1157	1015	1074	1020	2676
3	Suphaa daandii cirrachaa	Km	1211	796	841	796	629	1311	706	919	850	937	770	746
4	Ijaarsa daandii "cobblestone"	Km	745	240	166	193	196	309	166	238	186	200	190	110
5	Ijaarsa daandii Asfaaltii	Km	80	16	17	20	10	50	9	21	1	3	2	2
6	Suphaa daandii asfaaltii	Km	20	6	3	7	7.5	7.7	3.5	4	0	17	0.4	14.4
7	Bo'oo lolaa (ditch)	Km	2485	479	512	621	583	893.6	325	392	385	679	420	1329
8	Riqaa (culvert) ijaarsuu	Lak	1502	294	286	368	358	430	336	568	596	575	400	1276
9	Sarara bishaanii Diriirsuu	Km	2932	3105	621	529	621	653	1173	472	528	343	621	1542
10	Sarara ibsaa keessa-Keessaa	Km	3771	3490	698	424	698	591	1501	375	538	369	698	1479

Madda: Biiroo Misooma Magaalaa fi Manneen Oromiyaa, 2012

Walumaagalatti, xumura KGT-II irratti uwwisni daandii magaalaa daandilee gosa adda addaa (daandii haaraa saaquu, cirrachaa, asfaaltii fi dhakaa bocamaa) haga km 31,480 hojjetamee kan jiru dha. Uwwisni bu'uraalee misooma daandii KGT-I keessa %55 irra ture karoora KGT-II keessa %70 irran gahuuf karoorfame keessaa raawwiin %65 irra gahee jira. Akka waliigalaatti bu'uraaleen misoomaa KGT-II keessa kan karoorfame baayyeen karoora qabamee keessaa yoo ilaalamuu %70 iraa gahee jira.

3. Qulqullinnaa fi Misooma Magaariisuu Magaalotaa

Magariisummaa magaalota karoora KGT-I keessatti hojiin hojjetamaa ture karoora tarsiimoo fi beekumsa irratti hundaa'ee karoorfameen kan hojjetamaa ture otoo hin ta'iin hojii xixiqqaa ta'u walitti qabuudhaan kan hojjetama turedha. KGT-II keessatti garuu magaala ammayyaa ta'e uumuuf hojiin qul-qullinaa fi magariisummaa magaalaa murteessaa ta'uun isaa hubatamee hojii kan eegale dha. Hata'uu malee akkataa maasteer pilaanii irra taa'een bal'ina lafa waliigala magaalaan misoomuu qabu %30 keessaa iddoowwan magariisummaa pilaanii magaalaa irratti qabaman adda baasuun ragaan abbaa qabeenyummaa ykn kaartaa isaa mirkanaa'ee qaama misoomsuu fi bushutti dabarsuun akka misoomu gochuun hojii jalqabbii irratti argamuudha.

Akkaataa maasteer pilaanii keessatti ibsaman iddoowwan magaariisumma kan akka paarkotaa, qarqara lageewwannii, tulluuwwanii, dachaawwanii fi gaarota hudeessuu fi misoomsuun akka naannoo keenyaatti hojii jalqabbii irratti argamu yoo ta'u, bu'uruma kanaan KGT-I keessa iddoo magariisummaa adda baasuudhaan lafa hek 751,159 ta'uuf saayit pilaanii fi ragaan abbaa qabeenyummaa kan kenname yoo ta'u, bara 2008-2012 iddoo magariisummaa adda basuun lafa hek 21,702 saayit pilaanii fi ragaan abbaa qabeenyummaa kennuuf karoorfame keessaa 1,222(%6) raawwatameera. Adda ba'uu iddoo magariisummaan kan walqabate 2011 irraa kaasee hanga xumura KGT-II kanaatti paarkota 29 fi qarqaroonni lageewwannii 40 misoomuu danda'anii jiru. Magaalota magariisuuf hojiiwwan hojjetaman keessaa

tokko iddoo paarkiiwwan magariisaaf ta'an qopheessuudha. KGT-II kana keessa lafti waliigala hektaara 2,841ta'u magariisummaadhaaf akka qophaa'u karoorfamus kan qophaa'uu danda'e hektaara 1,192 (%42) qofaadha.

Giraafii kana irra hubaachuun akka danda'amuutti laafti iddoo magariisummaaf wagga shanan kana keessaatti adda baafaman kan bara 2010 foyyee qabu yoo ta'e illee kan bara hudumaa karoora qabameefii gadi dha, karoora KGT-II keessas yoo ilaalamu baayyee gad-anaa %6 qofa kan raawwatameedha. Misooma paarkotaa fi qarqaroota lageewwanii yoo ilaallee bal'ina lafa naannoo keenya waaliin yoo ilaalamu kan sadarkaa baayyee gad-aanaatti argamudha. Akka waliigalaatti raawwiin kun magaalota keenya bakka jireenyaaf mijattuu taasisuu keessatti gaaffii haalli jiraataan magaalaa barbaaduun waliin yeroo ilaalamu gad- bu'aa ta'ee kan argamee fi dabalaa adeemuu uummata magaalaa waliin kan walqabatee faalama magaalota keessatti mul'ataa jiru hir'isuu fi bakkeewwan bashannanaa magaalota keessatti babal'isuuf hojii hojjetamuu qabu waliin yeroo ilaalamu gama kannan hojiin hojjetame baayyee gad-aanaa ta'u mul'isa. Kanaaf sababa ta'ee kan jiru xiyyeeffannaa hooggansii fi Ogeessii magaalaa akkasumas Sekteroonni misooma magaalaa irratti hojjetanii fi dhaabilee mit-mootumma misoomaa magariisummaa magaalaa irratti hojjetan waliin qindoomina uumuun hojjechuu irratti qaawwii akka jiru xiinxala kanaan hubachuun danda'ameera.

4. Sirna Qabiinsa Balfaa Gogaa fi Qulqullina

Jiraataan magaalaa lakkoofsi isaa dabalaa akkuma deemu balfis dabalaa akka deemu ni beekama. Balfa magaalaa bifa adda addaan guyyaa guyyaan walitti qabamaa deemu kana sirnaan bulchuun dhimma xiyyeeffannoo barbaaduudha. Haaluma kanaan sassaabbii balfa goggogaa KGT-I keessa balfa gogaa m3. 1,856,058 kaasamee ture KGT-II keessa m3. 4,210,000 kasuuf karoorfame keessa m3. 4,535,687 (%100 ol) kaasuun danda'amee jira.

Karoora KGT-II keessa iddoo balfa goggogaa itti gatan istaandardii isaani eegan (Sanitary landfill 9, Controlled landfill 14 fi fenced open dump 16) hojjechuuf karoorfamee ture keessaa Sanitary landfill 3(%33), Controlled landfill 11(%79) fi fenced open dump 136(%100 ol) hojjechuun danda'ameera. Giraafiin armaan gadii akka agarsiisutti balfi magaalota keessaa sassaabamu mannii KGT-II keessaatti qabamee fi karoora waggaan qabameen olitti kan raawwate ta'u isaa yoo agarsiisu, hata'uu malee iddoo balfa goggaa deebisanii itti fayadaman "Transferstation" istaandaardii isaa eege hundeessuun magaalota akka Adaamaa fi Bishooftuu keessatti jalqabbiin yoo jiratee iyyuu Motto "Zero Waste Principle" jeedhu hordoffuun balfa deebisanii itti fayyadamuuf hojii guddaan kan hafu ta'uu xiinxala kanaan hubaachuun danda'amee jira.

Haala wal-fakkaatunis magaalonni hedduun iddoo balfa gogaa deebisanii itti fayyadaman waan hin qabneef fayyaa hawaasa magaalaa irratti dhiibbaa guddaa uumaa waan jiruuf fulaa duraatti qul-qullina magaalaatiif, fayyaa hawaasa eegsiisuuf madda galii uumuuf dhimma murteessa kana irratti ciminan hojjechuun barbaachisaadha. Bifuma wal-fakkaatuun hojiin waggoottan shanan darban keessatti hojjetame gahaa akka hin taane xiinxala taasifame irraa kan hubatamee jiru waan ta'eef karoorri kanatti aane qopha'u rakkoo kanaaf debii kennuu qaba.

5. Magaalota Qaama Seerummaa Argatan

Jalqaba KGT-I bara 2002 irratti baay'inni magaalota naannoo oromiyaa 443 yoo ta'u,xumura KGT-I bara 2007 irratti baay'inni magaalota qaama seerummaa qabanii 628 yoo ta'u, baroottan KGT-II keessa GGB 140 qoraachuun beekamtii qaama seerummaa magaalummaa kennuuf karoorfamee GGB 83(%59) beekamtiin qaama seerummaa magaalummaa kennamee jira. Kana jechuun akka nannoo kenyaatti yeroo ammaa kana baay'inni magaalota qaama seerummaa magaalummaa qaban 711 gahee jira.

Giraafii 2.16: Magaalota qaama seerummaa argatan



6. Walitti Hidhaminsa Magaalaa fi Baadiyaa, Magaalaa fi Magaalaa Giddutti

KGT-I keessa walitti hidhaminsa magaalaa fi baadiyaa 300 giddutti taasifame ture, KGT-II keessaa walitti hidhaminsa magaalaa fi baadiyaa 1,355 wajjin walitti hidhuuf karoorfamee ture keessaa magaalota 197 fi baadiyaa 437 waliin walitti hidhaaminsi uumamee jira. Walitti hidhaminsa magaalaa fi magaalaa giddutti KGT-I keessa 208 kan geggeeffame yoo ta'u, KGT-II magaalota 684 gidduutti walitti hidhaminsa uumuuf karoorfame ture keessaa 174 raawwachuun danda'amee jira. Hojii walitti hidhaminsa hojjetame kanaanis akkaataa kaayyoo qabameen misooma daandii ilaalchisee, daandii keessa keessaa saaquu, daandii cirrachaa hojjechuu, diichii(bo'oo lolaa) hojjechuu fi daandiin dhagaa bocamaa hojjechuun hawaasni akka fayyadamu ta'ee jira. Bishaan dhugaatii qul-qulluu ilaalchisee; boolla gadi fagoo qotamuun bishaan baasuu, sarara bishaanii diriirsuu, kuusaa bishaanii ijaaruu,ijaarsa boonoo bishaanii gaggeessuu, burqaa bishaanii gabbisuu,warshaalee hedduun bishaan mataa isaanii qaban hawaasa naannoo sanaa bilisaan akka irraa fayyadamuu danda'u waliin hojjechuu; maashinerii walii ergisuu ykn kiraa baay'ee xiqqaan wal-gargaaruu fi oogeessa walii ergisuun wal-deeggarsi taasifamee jira, kana malees hojiin sarara ibsaa diriirsuu,mana fincaan uummataa(public toilet) ijaaruu fi daree barnootaa ijaaruu, meeshaalee barnootaa guutuun, barattoota harka qalleeyyii gargaaruun bal'inaan hojjetama jira.

Hojiiwwan walitti Hidhaminsa magaalaa fi baadiyaa, akkasummas magaalaa fi magaala waliin hojjetameen hanga tokko rakkoo hawaas diinagdee hiikuun fayyadamumaa uummataa mirkaneessuun haala danda'amuun hojiin egalamee ha jiraatu malee ammas rakkoo hawaasni qabu hiikuuf xiyyeeffannoo guddaa fi haala tarsiimoo'aan yaaduun karoorsamu akka qabu xiinxala kana keessatti hubatameera.

7. Misoomaa fi Bulchiinsa Manneenii

Manneen waliinii 1999 fi 2000 ijaaraman hanga KGT-I manneen 19,124 fayyadamtootaaf dabarsuun bankiin kan walitti hidhaamee yoo ta'u, KGT-II keessa manneen harcaa'anii magaalota keessatti hafan manneen 948 fayyadamaaf dabarsuuf karoorfamee keessaa 927(%97) dabarsuun danda'amee jira.

Rakkoo mana jireenyaa magaalota keessatti mul'atan hiikuuf waggoottan shanan darban keessa hojii ijoon hojjetamee hojjetaa mootummaa fi jiraatotaa magaalaa waldaadhaan gurmeessuun lafa manaa kennuun rakkoo manaa akka hiikkatuuf hojii guddaan hojjetamee jira. Haaluma kanan bara 2008 irraa eegalee magaalota adda addaa keessatti waldaalee 11,930 miseensota 197,871 qaban gurmeessuuf karoorfame keessaa waldaaleen 12,630(%101) miseensota 221,472 kan gurmaa'an yoo ta'u miseensota 111,991(%50) lafa iraatti ijaarratan argatan keessaa %22.7 ijaarsaa jalqabanii jiru.

Miseensonni waldaa mana jireenyaatiif ijaaraman raawwiin isaa kan waggoota afuurii karooraan ol kan raawwatame yoo ta'u kan bara 2012 karoora gad-ta'u isaa fi raawwiin waggaa shanii karoora KGT qabamee ol ta'uu isaa xiinxala kanaan hubaachuun danda'ameera. Hata'uu malee waggoota shanan kana keessatti waldaan ijaarsa mana jireenyaa ijaaramuu qabu raawwiin isaa gadi kan bu'eef magaalonni lafa mana jireenyaaf barbaachisu beenya kaffaluun qopheessuuf humna waan hin qabneef hanga karoorfamee raawwachuu hin dandeenye.

Seeraan alummaa bulchiinsaa manneen mootummaa irratti mul'atu sirreessuuf KGT-I keessatti manneen mootumma kaartaa abbaa qabeenyummaa hin qabneef

saayit pilaanii fi kaartaa abbaa qabeenyummaa mana 7,602 kan kenname yoo ta'u KGT-II keessatti manneen mootummaa 114,799 kennuuf karoorfamee mana 56,609(%49) kartaan abba qabeenyummaa kennamee jira.

Waliigaltee manneen mootummaa haaromsuu 102,500 karoorfamee ture keessaa 114,977 raawwatee jira. Hojiin kun hojmaata badaa fi kiraa sassaabdummaa manneen mootummaa keessatti mul'atu furuu fi hawaasa magaalaa harka qaleessa ta'ee fi rakkina keessa jiru furmaata kennudhaan faacaatii qabeenya wal madaalee uumuudhaaf kan hojjetame ta'uu isaa xiinxala kana irraa hubaachuun kan danda'ame yoo ta'u waldaalee bara baraan gurmaa'an raawwii isaanii agarsiisuu fi karoora KGT keessa hangam akka raawwatame kan ibsuu dha.

8. Sagantaa Wabii Nyaata Magaalaa fi Foyya'insa Jireenyaa

Sagantaa wabii nyaata magaalaa haaraa bara 2009 irraa eegaalee taa'e akka naannoo keenyaatti magaalaa Adaamaa gandoota 14 qofa irraatti hojii kan eegaaleedha. Fayyadamtoonni sagaanta kana namoota rakkoo adda addaa qaban, dubaartoota mana bunaa keessaa hojjetan, namoota aadaa hojii hin qabnee fi araada adda addaatiin qabaman, namoota humnaa fi hirkoo hin qabne kan hammatu yommuu ta'u, namoota kana keessa kan humna qaban hojii misooma naannoo (kan akka qul-qullina magaalaa, magaariisuu fi miidhagina magaalaa, qonna magaalaa, sululaa ykn daagaa magaalaa hiidhuu fi hojii misooma bu'uraalee hawaasaa) irratti kan bobbasuu yoo ta'u waggaa sadii booda sagaantaa fooyyaa'insaa jireenyaatti (Livelihood) leenjii adda addaa erga fudhatanii booda gara hojii dhuunfaatti cehuun akka of-danda'an ta'a. Bu'uruma kanaan 2009 irraa eegalee lammiiwwan sarara hiyyummaa jalatti argaman sagaantaa misooma naannoo fi deeggarsa kallattiitiin waliigala abba warra 26,671 ittifufinsaan fayyadamaa taasisuun rakkoo nyaataa fi rakkoo hawwasummaa isaanii amma tokko akka hiikamu taasisee jira. Sagaantaa misooma naannootiin abba warraa 22,488 fayyadamaa sagaantaa kanaa akka ta'an yammuu ta'u, hojii gurguddoon isaan irraatti boba'an qonna magaalaa, magaariisuu, qul-qullina magaalaa, sulula hidhuu fi bara kana kan jalqabe ijaarsa mana fincaan

hawaasaa fi dhiyeessii meeshaalee boonoo bishaanii irraa fayyadamaa ta'uu danda'anii jiru. Fayyadamtoonni misooma naannoo Aadaa qusannoo isaanii dabaluun kaffaltii argatan irraa %20 mormii tokko malee qusachuu eegalanii jiru. Dabalataanis sagantaa kana irraa fayyadamummaan dubartootaa baayyina fayyadamtoota waliigalaa irraa %60 ta'a. Hojiirra oolmaa saganataa kanaan bu'aawwan akka aadaa hojii fi qusannoo horachuu, qul-qullinaa fi magariisuu magaalaa akka dabaaluu fi hojiin sulula sagantaa kanaan hojii irra akka oolu ta'ee jira.

Giraafii irratti akka mul'atu sagantaan kun bara 2008 fi 2012 kan hin raawwanee yoo ta'u waggoota sadan hafan akkaataa karooran kan raawwatmee fi manni KGT-II gutumaan kan raawwate ta'uu xiinxalli kun ni agarsiisa. Uummata keenya harka qalleeyyii ta'anii fi araada adda addaatiin qabaman humna misooma gochuun fayyaadamoo taasisuu irratti gahee guddaa waan qabuuf dhimmi xiyyeeffannoon irratti kan hojjetamuu qabudha.

9. Qonnaa Magaalaa Babal'isuu

Uummanni magaalaa akka adunyaatti, biyyaattii fi naannoo keenyaatti sadarkaa ol-aanaadhaan waan dabalaa jiruuf jiraattota magaalaa galii gad-annaa qabaniif hojiin isaanii madda galii irraa argatan hin uumamuuf taanan jireeny isaanii sadarkaa sodaachisaa keessa galuu waan danda'uuf hanga ammatti kan irratti bal'inaan hin hojjetamne qonnaa magaalaa kan akka fakkeenyaatti fuudhannu magaala Baddallee kan madda galii ta'uun, carraa hojii uumuun, dhiyeessii miidhaan nyataatiif, lafa seeraan akka itti fayyadamanii fi kunuunsa naannoo fi balfa deebisanii fayaadamuuf gummacha guddaa taasisaa jiru magaalota keenya biroo keessatti babal'isuun murteessaa fi kan yeroon gaafatu akka ta'e xiinxala kana keessatti ilaalamee jira.

10. Qophii Dizaaynii fi Bulchiinsa Kontiraataa

Hojiiwwaan ijaarsaa naannicha keessatti gaggeefamaa jiran akkaataa seerota ijaarsaa bahaniin sadarkaa isaanii eeganii akka raawwataman taasisuuf pirojeektota inspeekshinii gaggeessuu karoorri pirojeektota 10,000 hordoffii fi deggarsa taasisuuf karoorfame keessaa pirojeektota 9,505 (%95) raawwatee jira. Dizaaynii pirojeektota mootummaa sadarkaa adda addaa qopheessuu, sadaarka A karoorri 3,200 raawwiin 2,788 KGT-II irraa %87, iddoo ijaarsaa walsimsiisuu karoorri 8,476 raawwiin 5,931 (%70) raawwaatee jira.

Ijaarsa projeektota Mootummaa sektera adda addaatiin naannoo keessatti gaggeeffamuuf dokimeentii caalbaasii qopheessuu karoorri 10,450 raawwiin 9,899 (%95), xiinxala dokimeentii caalbaasii teknikaa karoorri 10,450 raawwiin 8,826 (%84), xiinxala faaynaansii karoorri 10,450 raawwiin 8,357 (%80) hojii irraa akka oluu ta'e jira.

2.3.2.Misooma Geejjibaa

1. Waliingahinsa Tajaajila Geejjibaa

Fedhii fi dhiyeessa tajaajila geejjibaa wal-simsiisuuf akkasumas uummanni tajaajila geejjibaa ammayyaa'aa, filannoo qabuu fi dhaqqabamaa ta'e akka argatu taasisuuf hojiilee gurguddoo gama dhiyeessii tajaajila geejjibaatiin hojjetamaa tureera. Haaluma kanaan, sararri bobbii KGT-I 2,395 kan ture waggaa waggaan dabaluun bara 2012 gara sarara 3,466 ol-guddisuuf karoorfame ture keessaa raawwiin 3,510 milkaa'ee jira.

Sararri bobbii bilisaa KGT-I 566 irra ture, bara 2012 keessa gara 1,114 ol-guddisuuf karoorfamee raawwiin 30 irra gahee jira. Buufata bobbii bilisaa itti kennuuf bara 2007 duwwaa(0) irra kan jiru, bara 2012 gara 5 ol-guddisuuf karoorfamee ture keessaa raawwiin 4(%80) irra jira. Akka waliigalatti dhimmoota sarara bobbii bilisaa fi buufata bobbii bilisaa itti raawwatamaa jiru lakkoofsaan haa ibsamu malee hojii

qabatamaa keessa kan hin jirre ta'uu fi dhimmaa xiyyeeffannoo fi kutannoo qaama garaagaraa barbaadu ta'ee mul'ateera.

Akka biyya keenyaatti turtii imalaan buufata konkolataa keessa turu ragaan kan hin jirree yoo ta'u, akka immamaata magaalaa Finfinnee keessatti ibsameetti KGT-II keessatti daqiiqaa 25 ture gara daqiiqaa 13.8 gad-buusuu kan jeedhu bu'ura godhachuun akka naannoo keenyatti turtii imalaa buufataa konkolaataa keessaa KGT-I keessatti daqiiqaa 40 kan turu gara daqiiqaa 30 gad-buusuuf karoorfamee ture keessaa karooraan olitti gara daqiiqaa 27 gad-buusuun danda'amee jira.

Giraafii 2.17: Sarara Bobbii Waliigalaa Guddisuu



Madda: Abbaa Taaytaa Geejjibaa Oromiyaa, 2012

Akkumma Giraafii olitti ibsame gama dhiyeessiin raawwiin jiru fooyya'aa ta'us fedhii fi dhiyeessiin tajaajila geejjibaa wal-simuu dhabuun bal'inaan waan mul'atuuf dhimma xiyyeeffannoo barbaaduudha.

Tajaajila geejjiba naannoo keenyaa dhaqabamaa taasisuuf sararoota haaraa banuuf bara 2007 428 irra kan ture, bara 2012 sararoota 488 irraan gahuuf karoorfame keessaa raawwiin 457 (%93.6) dha. Uwwisni kiiloo meetiraan konkolaataan tokkoo

waggaatti giddugaleessaan KGT-I km 50,000 uwwisaa kan ture bara xumura 2012 km78,000 irraan gahuuf karoorfamee ture keessaa raawwiin isaa gara km 70,000 irra gahee jira. Tajaajila geejjibaa deddeebisa uummataatiin imaltoonni deddeebi'anii tajaajila argatan bara 2007 mil 700.5 yoo ta'u, hanga xumura 2012 uummatotaa mil 987.8 tajaajila geejjibaa imaltootaaf kennuuf karoorfamee ture keessaa imaltoota mil 850.7 bobbii kennuun danda'amee jira. Kunis %86.2 irra gahee jira.

Baay'ina konkolaataa deddeebisa uummataa xumura KGT-I irratti 12,500 irra ture karoora 2012 keessatti 15,500 irraan gahuuf karoorfamee ture keessaa raawwiin xumura 2012 irratti 12,720(%82.1) irra gahee jira. Waldaalee geejjiba deddeebisa uummataa akka naannoo keenyaatti jiran akkaataa riifoormii geejjibaatiin haaraa gurmeessuuf jalqaba KGT-I irratti 103 kan ture karoora 2012 keessatti 131 irraan gahuuf karoorfamee kan ture raawwiin isaa gara waldaalee 93 (%71) kan ta'an raawwatee jira.

Waldaalee geejjiba deddeebisa uummataa akka naannoo keenyaatti jiran akkaataa riifoormii geejjibaatiin haaromsuuf jalqaba 2007 irratti 99 kan ture karoora 2012 keessatti 125 irraan gahuuf karoorfamee keessaa raawwiin isaa gara waldaalee 73 gad-bu'ee jira. Sababni karooraa gadi ta'eef haalli ijaarsi waldaalee bifa haaraan qajeelfama baasuun daangaa baay'ina konkolaataa waldaa tokko keessatti hammatamu bal'isuu irraa kan ka'e baay'inni waldaalee gadi xiqqachuu danda'ee jira.

Waldaalee Tajaajila Geejjiba bir-gahii haaraa KGT-I irratti 312 kan ture KGT-II keessa gara 436 ol-guddisuuf karoorfamee keessaa raawwiin isaa **598**(%137) milkaa'ee jira. Waldaalee Tajaajila Geejjiba bir-gahii (IMT) haaromsuuf bara karoora KGT-I irratti 366 kan ture karoora KGT-II keessaa gara 422 ol-guddsuuf karoorfamee ture keessaa raawwiin isaa 337(79.8%) raawwatee jira. Waldaalee konkolaattoota geejjiba magaalaa (Taaksii, Mil-sadee, Baasii, Daamaas fi kkf)

magaalaa baayinaan 235 jiran tajaajila geejjiba uummataa **182** (%77) ta'aniif kennuun guddina diinagdee biyyaa keessatti gahee ol-aanaa taphachaa jiru.

Waldaalee Geejjiba baadiyaa keennan (Gaarii fardaa, Gangee fi kkf) xumura KGT-I irratti 134 kan ture bara karoora 2012 keessatti 318 irraan gahuuf karoorfamee ture keessaa raawwiin **249** (%78) irra gahee jira. Akkataa xiinxala kanaan walumaagalatti haala gurma'insaa fi haaroomsa waldaalee tajaajila geejjibaa bir-gahii biratti hanqinoonni mul'atan bal'aa fi dhimmaa xiyyeeffannoo barbaaduu fi to'annoo fi hordoffiin cimee irratti hojjetamuu akka qabu siistama yka toftaalee diriirsuu kan gaafatu ta'u. Akkasumaas gama kanaan ijaaramanii jiru gara 'mass transport' itti akka ce'uu danda'u hojiin hojjetamuu qabu dha.

Tajaajila geejjibaa bir-gahii imaltoonni deddeebi'anii tajaajila argatan xumura KGT-I irratti mil 137.3 kan ture, bara karoora KGT-II keessa uummataa mil 549.5 tajaajila geejjibaa imaltootaaf kennuuf karoorfamee ture keessaa imaltoota mil 593.4 tiif bobbii kennuun danda'amee jira. Kunis (%100) irra gahee jira. Uwwisni kiiloo meetiraan konkolaataa geejjiba magaalaa tokkoo waggaatti giddugaleessaan xumura KGT-I Km 69,766,961 uwwisa kan ture xumura KGT-II irratti KM 347,466,828 iraan gahuuf karoorfamee ture keessaa rawwiin isaa gara KM 330,093,487 irraa gahee jira, haaluma karoorfameen (%95) raawwatee jira.

2. Misooma Buufataalee Konkolaataa

Buufataalee konkolaataa akka naannoo keenyaatti kan jiru 235 yammuu ta'u, istaandardii isaanii kan eeggatan KGT-I 1 qofaa yoo ta'u dhuma KGT-II irratti immoo 13 irraan gahuuf karoorfamee ture keessaa raawwiin 4(%29) qofaa irra gahee jira. Dhaabbata mirkaneessa gahumsa ogummaa konkolaachisummaa KGT-I keessa kan hin turre yoo ta'u, xumura KGT-II irratti garuu 10 irraan gahuuf karooramee keessaa 1(%10) qofti raawwatee tajaajila kennaa jira. Sababni raawwiin kun gad-bu'eef, baajenni ijaarsaa fi suphaa waggaa waggaan gaafatamaa turus, yeroo

jalqabaatiif bara 2006 baajenni ijaarsaa fi suphaaf kan ramadame yoo ta'u, hojiin isaa garuu turee waan eegaleef akkaataa karoorfameen raawwachuun hin danda'amne. Akkasumaas qophii fi qul-qullinni dizaaynii ijaarsaa buufataaletiin wal-qabatee bifa guutuu ta'ee fi yeroon qophaa'e dhiyaachuu dhabuu, sirni hordoffii, deeggarsaa fi to'annoo hanqina kan qabu dha.

Misooma buufataalee konkolaata ilaalchisee jalqabiin jiru gaarii ta'us raawwiin isaa akka waliigalaatti gad-aanaa ta'uun mul'aatee jira. Gama kannan rifoormii geejjibaa hojii irra oolchuu dhabuun, jeechuun humna olitti fe'uu fi taarifaa olitti kaffalchiisuun,to'annoon buufata keessa cimaa ta'u dhabuun, ilaalchaa fi gochi kiraasassaabdummaa kan jiru ta'uun, sagantaan bobbii konkolataa ji'aan qul-qullinaa fi yeroo dhaan mirkaneessuun hojjiirra oolchuu dhabuun, qooda fudhattoonni dhimma riifoormii hojii irraa oolchuudhaaf deeggarsa kennuu dhabuu fi to'ataa waldaa waliin hojjechuu irra basharii(weyaala) wallin waliigaluun kan jiru ta'uun dhimma xiyyeeffannoo barbaadu ta'uu xiinxala kanaan hubatamee jira.

3. Geejjiba Nagaa Qabeessa Taasiisu

Uummaannii tajaajila geejjibaa nageenyummaan isaa mirkanaa'e akka argatu taasisuuf hojiin hubannoo konkolaachisaa cimsuu, hubannoo hawaasa dabaluu, hordoffii fi to'annoo daandii irraa gaggeessuun wal-qabatee hojjetamaa tureera.

Hayyama opereetarummaa haaraa KGT-I irratti 8,510 kenname kan ture hanga bara xumura KGT-II irratti 9,760 irraan gahuuf karoorfamee ture keessaa raawwiin isaa 9,286 (%95.1) milkaa'ee jira. Hayyama opereetarummaa haaromsuu KGT-I irratti 7,336 kan haareffame yoo ta'u, KGT-II 10,744 haaromsuuf karoorfamee ture keessaa raawwiin 9,930 (% 92.4) haaromsi taasifamee jira.

Gama biraatiin, meeshaa teknoolojii amayyaa'aa hojii to'annoo geejjiba daandii KGT-I keessa kan lakkoofsaan 56 (Raadaarii 6 fi To'attuu Alkooliii 50) irra gahe kan jiru yoo ta'u, KGT-II keessatti karoorri Raadaarii 100 raawwii 4 (%4), To'attuu

Alkooliii karoorri 500 raawwiin 100(%10), Motora to'annoo karoorri 200 raawwii 40(%20), Ifa Akeekkachiiftuu karoorri 962 raawwiin isaa 126 (%13.09), SMS teknoolojii 1(tokko), Kokolaataa To'annoo karoorri 40 raawwii isaa 5 (%12.5) fi Raadiyoo to'annoo karoorri 1000 raawwiin hin jiru.

Balaa tiraafikaa waligalaa naannoo keenyaa keessatti qaqabe KGT-I irratti 3,850 irra kan ture waggaa waggaan %20 hir'isuun bara xumura KGT-II irratti 1,262 gad-buusuuf karoorfamee ture keessaa raawwiin balaa waliigalaa qaqqabe garuu 3,259 ta'uudhaan dabalee jira. Du'a namaa KGT-I irratti 1,604 kan ture waggaa waggaan %18 hiri'suun xumura KGT-II 595 gad-buusuuf karoorfamee keessaa raawiin 1,158 irra gahuun kunis ol-dabalee jira. Xumura KGT-I irratti balaan qabeenya irra gahe tilmaama qr mil 220.5 ture waggaa waggaan %15 hir'isuun KGT-II mil 98 gad-buusuuf karoorfamee ture keessaa raawwiin qr mil 158.2 dabalee jira.

Akka waliigalatti balaa tiraafikaa qaqqabaa jiru xiqqeessuuf meeshalee teknoolojii itti fayyadamuun yoo jiraate iyyuu waggoota darban kana keessatti bara baraatti garaagarummaa haa qabatu malee balaan gahaa jiru guddaa ta'uun hubatamee jira. Kan xiqqeessuuf waliin gahinsa teknoolojii gahaa ta'uu dhabuun, meeshaa raabsameetti fayyadamuu dhabuun, konkolattootni biyyaa keessa galaan kan tajaajilaa turanii fi yeroo tajaajilasaanii kan xumuran ykn dulloomaa ta'uu, to'annan daandii irratti geggeeffamu qama laman raawwatamun, rakkoon namuusa qamaa to'annoo daandii irratti geggeessu bira jiraachun, hayyaama konkolaachisumma kennamuu fi dhabbattoota sakkatta'insa konkolataa geggeessan bira rakkoon namuusa jiru balaa qaqqabuu guddisu irratti gahee guddaa kan qabu ta'un xiinxala kana keessatti dhimma ilaalame fi xiyyeeffannoo guddaa dhan irratti hojjetamuu qabu ta'uun hubaatamee jira.

Dabalataanis, rakkoon balaa tiraafiikaa kan maddu hanqinoota kan akka ga'umsaa fi naamusa konkolaachiftootaa, hanqina bu'uraalee misooma daandii, imala seeraan ala halkanii, qindoomina dhabuu qooda fudhattoota geejjibaa, kutannoon hojjechuu

dhabuu qaama seera kabachiisuu, tasgabbii dhabuu dhabuu qaama maraa, al-naamusummaa qaamolee seera kabachiiftotaa fi kkf... t'uun isaa xiinxala kanaan adda bahee jira.

4. Gahumsa Konkoolaachisaa Mirkanneessuu

Rakkoo balaa tiraafikaa yeroo ammaa qaqqabaa jiruuf hanqina gahumsa konkolaachisaa gahee guddaa waan qabuuf kana salphisuuf hojii hojjetameen: balaa hanqina gahumsa konkolaachisaatiin qaqqabu xumura KGT-I irratti %82 kan ture xumura KGT-II irratti gara %20 gad-buusuuf kan karoorfamee ture ta'u illee raawwiin isaa garuu faallaa kanaan dachaan dabalee %85 irra gahee jira.

Dhaabbileen leenjii konkolachistoota akka naannootti KGT-I keessa hayyama gahumsa fudhatanii hojii keessa kan turan lakkoofsaan 125 yoo ta'an, karoora KGT-II keessatti 145 irraa gahuuf karoorfamee ture keessaa, raawwiin isaa 15 irra gahee jira. Rakkoo balaa tiraafikaa dabalan keessaa tokko hayyama foorjidii yommuu ta'u rakkoo kana hambisuuf ragaa hayyamaa konkolaachisaa foorjidiif hin saaxilamne laamineetid ta'ee fi fala biraa illee qorannoo fi marii hawaasaatiin deeggaramuun hojii irra akka oolu gochuun barbaachisaadha.

2.3.3. Misoomaa Induustirii

Misoomni Induustirii ce'umsa caasaa diinagdee galmaan ga'uu keessatti iddoo ol-aanaa qaba. Akka naannoo Oromiyaatti KGT-II kana keessatti damee Induustirii fi ce'umsa caasaa diinagdee galmaan gahuuf manifaakcheringii oomishaa fi oomishtummaa isaatiin gahee al-ergee ce'umsa teknoolojii fi carraa hojii lammiidhaaf uumuu danda'u bu'ureeffachuun hojiitti seenamee ture. Haaluma kanaan, waggoottan shanan darban keessatti dameen Induustirii giddugaleessaan %13.7 guddisuun gahee GDP Oromiyaa keessatti inni qabu %15.6 gahuuf manii taa'e galmaan gahuuf damee qonnaa waliin walitti hidhaminsaa fi wal-deeggaruun akka hojjetamu yaadameetu. Haaluma kanaan, raawwiin ture waggaatti g/g %13.5

guddachaa turee %18.3 gahee jira. Gama biraatiinis IMX dabalatee namoota miiliyoonota ta'aniif carraa hojii uumuun 7,890 hojii dhabdummaa naannichaa (baadiyaatti %4 fi magaalaatti %18.1) irra akka gahu gochuudhaan fayyadamummaa dubartootaa immoo gara %50 guddisuuf karoorfamee jira. Bifuma kanaan, waliigala carraan hojii lammiilee 5,899,470(%83.1) ta'aniif uumamee jira. Kana keessaa baadiyaatti %53 fi magaalatti %47 carraan hojii uumamee jira. Haata'u malee, gama fayyadamummaa dubartootaa mirkaneessuutiin %32.4 irra waan jiruuf milkaa'inni eegame argamuu hin dandeenye.

1. **Misooma IMX**

IMX mootora guddina diinagdee addunyaa (carraa hojii uumuudhaan, galii dhuunfaa fi mootummaa guddisuudhaan, akkasumas qooda GDP dabaluun) saffisiisuun ce'umsa gara Induustiriitti godhamuuf riqicha ta'ee kan gargaarudha. Kanaafuu,KGT-I keessatti akka waliigalaatti carraan hojii namoota 5,947,417 (dhi 3,632,715 dub 2,314,702) fi interpiraazoota 371,343 ta'aniif uumamee jira. KGT-II kana keessattis xiyyeeffannaan misooma IMX carraa hojii bal'aa uumuu fi Induustirii manifaakcheringii maaykiroo fi xixiqqaa babal'isuudhaan ce'umsa diinagdee saffisiisuudha.

Haaluma kanaan, namoota mil.6.1 ta'aniif carraa hojii uumuuf karoorfame keessaa hojii barbaaddota mil. 6.1 ta'aniif carraan hojii akka waliigalaatti uumamee jira. Kanneen keessaa hojii barbaaddota mil 4.2 carraan hojii dhaabbii uumuuf karoorfame keessaa namoota 3,510,808 fi mil 2.6 keessaa immoo namoota 2,388,761 ta'aniif kan yeroo uumamee jira. Raawwii karooraa hanga 2012 jiru yammuu ilaallu gama carraa hojii uumuutiin %87 irra gahuun danda'ameera.

Carraa hojii uumame kana keessaa dhiira hojii barbaadu mil 3.4 keessaa carraan hojii 4,045,107 (%68.6) kan uumame yoo ta'u dubartoota hojii barbaadan mil 3.4 keessaa immoo 1,854,363 (32.4) kan ta'aniif carraan hojii dhaabbii fi yeroo uumameera.

Gama interpiraayziiwwan hundeessuun 417,000 hundeessuuf karoorfamee ture keessaa raawwiin 395,105 (%94.7) irra gahee jira.

Carraa hojii uumame kana keessaa 3,120,309 (%53) kan ta'u carraa hojii baadiyaa keessatti uumame yammuu ta'u kana keessaa %70.5 kan ta'u hojii dhaabbiidha. Carraa hojii magaalaa yammuu ilaallu carraa hojii waliigalaa keessaa %47 qofa kan fudhatu yammuu ta'u kana keessaa carraan hojii dhaabbii uumames %47 dha. Kanarraa ka'uudhaan yoo madaalamu, baadiyaan carraa hojii bal'inaan uumuu qofa osoo hin taane carraa hojii dhaabbii uumuudhaanis magaalaa caalaa carraa akka qabu hubachuun ni danda'ama. Kun ija carraa hojii dhaabbii uumuutiin qofa yoo ilaalamu, misooma IMX baadiyaa giddugaleessa godhate gaggeessuun filatamaa ta'uu agarsiisa. Raawwiin IMX magaala keessatti ijaaruu kan gadi-bu'eef namoonni hedduun hojii al-idilee fi beekamtii hin qabne irratti waan bobba'aniif, barnoota waan dursaniif, dorgommiin waan cimuuf, filannoon waan guddatuuf gara dhuunfaa ykn mootummaatti qaxaramuu waan filataniif akka sababaatti taa'uu danda'a.

Gama ce'umsa diinagdee saffisiisuutiin yammuu ilaalamu hanga xumura 2012 gaheen manifaakcheringii waliigala interpiraayziiwwan uumaman keessaa %30 akka qabaatuu fi qonni %20 akka qabaatu karoorfamee jira. Raawwii hanga xumura KGT-II jiru yammuu ilaallu manifaakcheringii %11 fi qonni %16 gahee akka qaban hubatameera.

Akkuma armaan-olitti ibsame carraa hojii dhaabbii uumuutiin qonni gahee ol-aanaa qabaachuu isaatiin dameewwan IMX hunda caalaa gahee gddaa kan taphatuu ta'ee argama. Interpiraayzoota gosa hojiiwwan hundaan baadiyaa keessa haa socho'anu malee IMX baadiyaatti gurmaa'anii socho'an keessaa %62 kan ta'an kan bobba'an hojii qonnaa irratti dha. Kana malees, magaalaa keessatti tajaajilaa fi daldalatti aansuudhaan sadarkaa sadaffaarratti IMX %18 kan bobba'an hojii qonnaarrattidha. Kanarraa ka'uudhaan yammuu ilaalamu ce'umsa diinagdee IMX bu'ureeffate fiduuf qonni shoora ol-aanaa waan taphatuuf akkuma misooma qonnaa keessatti ilaalame IMX keessattis agiroo-piroosesingii fi oomisha al-ergee irratti xiyyeeffachuun bu'aa

ol-aanaa galmeessisuuf hojjetamuu qaba. Misooma IMX saffisiisuun misooma Induustiriitiif bu'ura kaa'uuf paakeejiiwwan deeggarsa adda addaa karoorfamanii raawwatamaa turanii jiru. Haaluma kanaan, hanqina iddoo oomishaa fi gurgurtaa IMX hiikuuf hanga xumura KGT-I lafa hek.125,505 sochooftota 1,498,294 dhiyeessuun kan danda'amee yoo ta'u,KGT-II keessatti lafa hek. 258,210 dhiyeessuuf karoorfamee ture keessaa raawwiin hek. 285,212 sochooftota 448,210 ta'aniif dhiyeessuun danda'amee jira.

Haata'u malee, kenninsi lafaa kun adeemsa kanaan itti fufee jennaan rakkoo guddaa uumuu waan danda'uuf itti yaadamuu qaba. Rakkoon kun yoo cime qabeenya murtaa'aa kan ta'e lafa bal'aa qisaasuu ni danda'a. Kun immoo lammiilee biroos ta'e waldaalee IMX gara fuulduraatti ijaaraman carraa dhabsiisaa deema waan ta'eefis, lafa hiruu irra adeemsa gamoo kilaasteraa ijaaruu irratti xiyyeeffachuutu filannoo gaarii ta'u danda'a.

Haaluma wal-fakkaatuun, KGT-I keessa baay'inni sheediiwwan ijaaramanii IMX darbanii 12,224 fi gamoowwan kilaastera oomisha fi gurgurtaa 237 kan ture bara KGT-II keessa immoo sheediiwwan 15,000 fi gamoo kilaasteroota oomisha 750 ijaaruudhaan IMX dhiyeessuuf karoorfamee sheediiwwan 8,075 %53.8) fi kilaasteroota 57(%7.6) ijaarsi isaanii xumuramee jira. Gama biraatiin misooma IMX mirkaneessuu keessatti hojiin ijoo ta'e tokko walitti hidhaminsa dha. Kana galmaan gahuuf KGT-I keesstti waldaalee IMX 329,680 ta'an walitti hidhaminsa gabaa raawwachuun galii Qr. 9,852,450,184 argamsiisuun danda'amee jira. Bifuma wal-fakkaatuun, bara KGT-II bifa adda addaatiin IMX 569,191 carraa walitti hidhaminsa gabaa akka argatanii fi kanaanis galii Qr. bil.13.5 akka argatan taasisuuf karoorfamee waggaa shanan darbe keessatti IMX 147,509 walitti hidhuun Qr.29,773,978,515 akka argatan taasfamee jira. Raawwiin kun baay'ina IMX deeggarsa argataniin yammuu ilaalamu kan waggaa shanii %25.9 yammuu ta'u gama bu'aa argataniitiin %220.5 ta'a.

Walitti hidhaminsa gabaa keessatti rakkinoota gurguddoon lama ni mul'atu. Inni duraa, carraa walitti hidhaminsa gabaa kanaa kan deddeebi'anii itti gargaaraman interpiraayzoota muraasa ta'an yoo ta'u rakkinni inni lammaffaan walitti hidhaminsa gabaati, kun bu'aa yeroo gabaabaa qofa giddugaleessa taasifachuun dha. Guddina IMX garuu bu'aa ol-aanaa kan qabu gurgurtaa yeroo tokkoo ykn lamaa osoo hin taane ittifufinsaan gurguruu danda'uu isaanii waan ta'eef qixa kanaan gamaaggamuu qaba. Walitti hidhaminsa gabaa irraa bu'aa yeroo dheeraa argachuuf yoo walitti hidhaminsa gabaa godhamu gidduu IMX fi warshaa gurguddaa, akkasumas IMX fi IMX gidduutti ta'e dha. IMX warshaa gurguddaa wajjin walitti hidhuun IMX warshaadhaan oomisha gar-tokkeen xumurame (semi finished products) ykn oomisha hojiinsaa xumurame (finished products) sadarkaa warshaan barbaaduun dhiyeessuu akka danda'u taasisuun ni danda'ama.

Paakeejii deeggarsa IMX taasfamu keessaa inni biraa dhiyeessii faaynaansiiti. Dhimma kana ilaalchisee, KGT-I keessa waldaalee IMX miseensota 387,917 qaban 100,526 ta'aniif liqiin Qr. 2,574,733,603 ta'u kennameera. Gama biraatiin tajaajila liqii hanga xumura KGT-II ni dhiyaata jedhamee karoorfame Qr. bil.10 keessaa Qr.5,637,160,161 (%56) dhiyeessuun danda'ameera. Gama dhiyeessa liqiitiin rakkina guddaa kan ta'aa jiru tokko liqii deebisiisuudha. Akka hojmaata Baankii Biyyoolessaatti ittifufinsa dhaabbata Faaynaansii tokkoof yoo xiqqaate liqii kenname keessaa %97 deebi'uu qaba. Haa ta'uu malee, yeroo ammaa deebiin liqii Waldaa Aksiyoona Liqii fi Qusannaa Oromiyaa (WALQO) %66 irra jiraachuun isaa ittifufinsi isaa gaaffii keessa akka galu taasisee jira.

Liqii kennuu fi deebisiisuu gama ilaaluun, haalli liqiin itti kennamu mataan isaas rakkoo akka qabu ilaaluun barbaachisaa dha. Fakkeenyaaf, dammaqinaa fi hubannaa interpiraayziin tokko liqii fudhachuu fi deebisuu irratti qabu murteessaadha. Kun immoo sadarkaa barnootaa illee ni dabalata. Dhimmaa kana ilaalchisee firii qorannoo WALQO gaggeesse akka agarsiisutti, liqeeffattoonni barumsa ol-aanaa qaban warra sadarkaa gadiirraa jiran caalaa carraa liqii deebisuu qabu. Kanaafuu,

dhaabbileen maaykiroo faaynaansii warra barate jajjabeesuu fi warra kaan immoo leenjiidhaan cimsuu qabu.

Gama biraatiin liqeessitoonni Reettii bu'aa liqii ol-kaasan carraan liqii deebisuu xiqqaa ta'a. Kanaaf, hangi bu'aa liqii irratti dabalamuu madaalawaa fi humna liqii deebisuu interpiraayzootaa kan bu'ureeffate ta'uu qaba. Akkasumas, carraa gabaa cimaa warri qaban bu'aa fooyyee waan argataniif dandeettii liqii deebisuu gahaa ni qabaatu.

Hordoffii fi deeggarsaa IMX godhamuun IMX moodeela ta'an filachuu/baasuu, kunuunsuu, fi ceesisuun misooma IMX keessatti iddoo ol-aanaa qaba. Haaluma kanaan IMX moodela ta'an gama baasuutiin KGT-I keessatti moodeloota 5,195 baasuun danda'amee jira. Bara KGT-II kanattis moodeloota 8,500 baasuuf karoorfamee ture keessaa 10,533(%124) baasuun danda'ameera. Dhimma IMX ceesisuutiin hojii hojjetameen bara KGT-I keessatti interpiraayziiwwan sadarkaa adda addaa irratti argaman 2,319 ceesisuun kan danda'ame yoo ta'u KGT-II keessattis IMX 475,600 gara sadarkaa itti aanuutti ceesisuuf karoorfamee keessaa IMX 407,458(%85.7) ceesisuun danda'amee jira. Haata'u malee, IMX ce'anii Induustirii waliin walitti hidhamuu qaban irratti hojiin hojjetamaa ture laafaa waan tureef dhimma irratti hojjetamuu qabu dha.

Walumaa galatti, raawwiin IMX keenyaa waggoottan shanan darban keessatti sababoota adda addaatiin hamma eegamuu gad-ta'ee mul'ata. Sababoonni kunneenis, hanqina Faaynaansii, hanqina iddoo oomishaa fi gurgurtaa, hanqina ogummaa fi teeknikaa, deeggarsaa fi supperviizninii itti fufinsa qabu dhabuu, walitti hidhaminsa gabaa (WHG) ykn carraa gabaa dhabuu, miirri dorgommii laafuu, odeeffannoo waayitaawaa dhabuu, muuxannoo cimaa hoggansaa dhabuu, teknoolojii barbaachisu dhabuu, bu'uraalee misoomaa gahaa ta'e dhabuu fi wkf fa'a.

Keessattuu, iddoo oomishaa fi gurgurtaa kennuu faallaa imaammata jiruutiin, bulchiinsa magaalota tokko tokko keessatti pilaanii magaalaa kan hordofe miti, IMX

baay'een immoo deeggarsa maallaqaa argatan ijaarsa dizaaynii sirrii hin qaban, lafa abbummaan isaa hin mirkanoofne irratti gaggeessu, kaan immoo hanqina bu'uraalee misoomaa jabduu qabu. Dabalataanis, ulaagaan ittiin kilaastera Interpiraayzootaa ijaaran akka waldeeggaruu danda'anii fi waliin ce'uu dandeessisu akkasumas turtii kilaastera sana keessatti qaban irratti kan hundaa'e miti. Irra caalmaatti wirtuuwwan hedduun istaandardii sirna hooggansaa waan hin qabneef kanfaltii itti fayyadama kilaasteraa raawwachuun rakkisaa ta'ee jira.

Hundaa olitti wanni sektera IMX keessatti ilaalamuu qabu ijaarama isaanii baay'isuu fi carraa hojii uumuu qofa osoo hin taane, itti fufinsa isaanii fi shoora hiyyummaa xiqqeessuu keessatti taphataniin ta'uu qaba. Dabalataanis kalaqaa fi beekumsa ceesisuu akkasumas bu'aa diinagdee guddisuu keessatti galmeessiseen ilaaluun murteessaa dha. Gara sadarkaa itti aanuutti ceesisuuf karoorfamee IMX 407,458 (%85.7) ceesisuun danda'amee jira. Haata'u malee, IMX ce'anii Induustirii waliin walitti hidhamuu qaban irratti hojiin hojjetamaa ture laafaa waan tureef dhimma irratti hojjetamuu qabu dha.

2. Misooma Inveestimentii

Inveestimentiin humna oomishtummaa biyyaa/naannoo cimsuudhaan guddina diinagdee fi adeemsa badhaadhinaa keessatti shoora ol-aanaa qaba. Kanaaf, Reettii guddinni diinagdee biyyattii dijiitii lama taasisuun, $ bil 3 inveestimentii kallattii biyya alaa harkisuun biyyi keenya galmaa bara 2017 kaa'ame bira gahuuf imala karaa dheera jalqabdee jirti.

Seenaa inveestimentii naannoo Oromiyaa keessatti bara 1985 irraa eegalee baay'inni pirojeektii inveestimentii simataman haga ammaatti akka waliigalaatti 12,995 dha. Kana keessaa inveestimentiin biyya keessaa 10,172 yoo ta'u kanneen (FDI), Diyaasporaa fi inveestimentii waliinii (Joint Venture) akka tartiiba isaaniitti 464, 361 fi 26 dha. Gama kaappitaala galmeessisaniin immoo gaafa ilaallu inveesteroonni biyya keessaa Qr.bil 80.8; FDI Qr. bil 46.3; Diaspora Qr. bil 11.5; Joint Ventue Qr.

bil 2.3 ta'a jechuudha. Kanaaf, kanneen keessaa abbootiin qabeenyaa biyya keessaa fi alaa olaantummaa qabeenyaa qabu.

Haata'u malee, pirojeektiin inveestimentii kun qixa barbaadameen lafa irra hin qubanne. Kanneen hanga yoonaatti simataman keessaa kan hojii keessa galan 6,711(%61)qofaa akka ta'e ragaan Komishinii Inveestimentii Oromiyaa irraa argame ni mirkaneessa.

Pirojeektota inveestimentii kanneen keessaa bara KGT-II keessatti Pirojeektota haaraa 2,400 simachuudhaan hojiitti galchuuf karoorfamee ture keessaa pirojeektonni %30 manifaakcheringii %40, agiroo-industrii %20, qonna hammayyaa fi pirojeektonni %10 tajaajilarratti akka bobba'an taasisuuf karoorri qabamee hojii hojjetamaa tureen pirojeektoota haaraa 748(%31.2) simachuun kan danda'ame yoo ta'u pirojeektii Qonnaa 3,063, Agiroo-piroosesingii 242, Agiroo induustirii 2,193, pirojeektota Hoteelaa fi turiizmii 2,593, pirojeektota daldalaa 410, manifaakcheringii 1,628, pirojeektota ijaarsaa ykn konistiraakshinii 2,367, riil isteetii 18 fi tajaajilaa hawaasummaa 723 murtoo simannaa akka argatan taasisuun hojii keessa galanii jiru.Raawwin kun kan agarsiisu bu'aan gama inveestmentiin argamuu qabu kan argamaa hin jirre ta'uudha. Kunis tajaajila si'ataa ta'e kennuu dhabuu fi sirni ,bulchiinsa inveestmentii cimaa ta'ee hojii irra ooluu dhabuu irraa kan maddu waan ta'eef dhimma hojii cimaa barbaadu ta'a. Kana jechuun mootummaas ta'ee qaamni dhimmi ilaalu hundi keessattuu boordiin adeemsa inveestimentii seeraa fi danbiidhaan deeggarame lafa qabsiisuu baannaan seerota jiraniin buluu fi dursamuu baannaan sochiin inveestimentii keenya galma barbaadame biragaa huu hin danda'u. Kanaaf, dhimmi inveestimentii dhimma murteessoo egeree biyyitti ta'uun hubatamee qixaa fi kallattii sirrii ta'een roga qabsiisuun gaaffii hawaasaa keenyaa deebisuu fi fedhiisaa dhugoomsuuf qaamni ilaallatu hundi qindoome kutannoona hojjechuu qaba. Misooma Induustiriitiif haala mijataa uumuudhaan Inveestimentii saffisiisuuf dhimmoota xiyyeeffannoon hojjetaman keessaa tokko dilbii Induustirii qorachuu, pirofaayiloota Induustirii adda

addaa qopheessuu fi ijaarsa paarkii fi kilaastera Induustirii isaan gurguddoodha. Haaluma kanaan KGT-II kana keessa pirofaayiloota Induustirii 30 qopheessuuf, magaalota jaha keessatti paarkiiwwan Induustirii misoomsuuf, akkasumas kilaastera IMX gamoowwan 750 fi kilaastera "turnkey' 30 ijaaruudhaan tajaajilaaf oolchuuf karoorfameera. Sochii hanga bara 2012 godhameen piroofaayilii Induustirii toorba (%23) xumuramee jira.

Kana malees paarkiwwan Induustirii (humna naannootiin) lama (%33), kilaasteriin IMX 87(%12) fi "Turnkey" toorba (%23) ijaarsi gaggeeffamaa jira. Ijaarsaa fi misooma paarkiiwwanii hanga yoonaatti gaggeeffaman kanaanis carraan hojii hawaasa naannootiif uumamee jira, baasii daandii dheeraa deddeebi'uus hir'isee jira. Haata'u malee, hawwasni naannoo paarkiiwwan kanaa hanga barbaadamu fayyadamaa hin taane; qul-qullinnii fi baay'inni ijaarsa kanneenis sadarkaa isaa kan hin eegganne dha. Gama birootiin immoo qonnaan/horsiisee bulaa gara inveestimentiitti ceesisuu dhimmi ilaalu hojii murteessaa fi guddina biyyattiif hundee ta'us raawwiin KGT-II hanga eegamuu gadi baay'ee xiqqaa waan ta'eef xiyyeeffannaa qaama hundaa (keessattuu kan qaama ol-aanaa fi KIO) barbaadu dha. KGT-II keessatti akka naannoo Oromiyaatti carraa hojii dhaabbii (110,400) fi yeroo (269,100) walumaa galatti lammiilee (379,500) uumuuf karoorfame keessaa hanga ammaatti dhaabbiidhaan namoota 64,201 yeroof namoota 216,813 walumaagalatti lammiilee 281,012 ta'aniif carraan hojii qabatamaadhaan uumameera. Kun immoo kan mul'isu carraan hojii dhaabbiidhaan uumame %58 yoo ta'u kan yeroo garuu %80.7 dha. Asitti wanni ilaalamuu qabu garuu carraan hojii dhaabbii gad-bu'aa kan yeroo immoo hangas ol-ka'uun waliigalatti kallattii sirrii ta'een carraa hojii uumneerra jechuu hin dandeenyu. Carraa hojii dhaabbiiyyuu itti fufinsi isaa shakkiin kan guutame ta'ee bakka jirutti kan yeroo irratti duufuun carraa hojii dhabdummaa babal'isuu irra darbee hiikkoo biroo hin qabu. Sababni isaas, abbaan qabeenyaa yeroo barbaadetti hojjettoota isaa hojii ala gochuuf mala cimaa waan ta'eefidha. Gama biraatiin immoo lammiin yeroo hundaa shakkii keessa akka jiraatu taasisa.

Carraa hojii uumame kana karaa koorniyaatiin yoo ilaalame dhiirri 158,791 yoo ta'u dubartiin immoo 122,221 dha. Kun immoo karaa fayyadamummaa dubartootaatiin yammuu ilaalamu raawwiin %43.5 irra jira. Kun immoo karoora KGT-II keessatti %50 gahuuf karoorfames ta'ee imaammata akka biyyaa/naannootti jiru galmaan ga'uu hin dandeenye jechuu dha. Gama heeyyama inveestimentii haaraa keennuu ilaalchisee karoorri qabame 6,600 yoo ta'u hojiin hojjetame hayyamni haaraan 4,661(%70.6) kennamee jira. Kun immoo ammas rakkoon simannaa fi tajaajila guutuu kennuun dhabamuu agarsiisa.

2.3.4.Bulchiinsaa fi Itti Fayyadamaa Qabeenya Lafa Oromiyaa

1. Bulchiisaa fi Itti Fayyadama Lafa Baadiyaa

Karoora itti fayyadama Lafa baadiyaa xiyyeeffannoon isaa qorannoo karooraa itti fayyadamaa lafaa fi qophii hojii lafa baadiyaa ta'ee, qorannoo karooraa itti fayyadamaa lafa baadiyaa saaynsaawaa akka ta'uu fi karooraan akka hoogganamu taasisuun sirna bulchiinsa lafa baadiyaa hammayyeessuu,misoomni lafa irratti gageeffamu haala karoora itti fayyadama lafaa irratti akka hundaa'u taasisu, akkasumas hanqina qul-qullina ragaa lafaa jiru fooyyessuun misooma gaggeeffamu itti fufinsa akka qabaatu, lafa kaamtu faayidaa maaliif akka ooluu danda'u adda baasuu fi qabeenya lafaa qusannoo fi haala bu'a qabeessa ta'een itti fayyadamuuf jedhamee karoorfamee kan itti hojjetamaa ture yeroo ta'u, qorannoo sululootaa gurguddaa irratti hundaa'ee gaggeeffamu xumuraa KGT-I %50 irraa jiru xumuraa KGT-II irratti bal'ina naannoo kenyaa karaa uwwisuu danda'uun %100 gahuuf karoorfamee keessaa %100 irraa gahee jira.

Haa ta'u maalee hirmachisuumaan qorannichii qaama qindoominaan qorachuun ragaa walii jijjiiruu qaban faana irratti hanqina kan qabuu ta'u isaa irraan kan ka'e qorannoon itti fayyadama lafa baadiyaa qoraannoo biraa darbee qabatamaa hojiitii hikamee itti fufinsaa misoomaa mirkanesuu irraatii hanqina kan qabu ta'u isaa mul'isa. Hojii qophii lafa baadiyaa lafa tajaajila adda addaatiif oolu haala

barbaachisummaa isaatiin hammaa barbaachisuu (lafa inveestimentii, lafa IMX fi hawaasummaatiif)kan oolu dursanii qophessuun misooma naannoo keenyaa ariifachiisuu, carraa hojii bal'aa uumuu keessatti gahee kan qabuu fi hojiiwwan misoomaatiif qindoominaan hojjechuu kan nama dandeessisaan waan ta'eef hojii murteesaa fi ijoo godhaanii ilaaluun ni danda'ama.

Kayyoon hojiin kun karoorfameef milkesuu karoora KGT-II keessaatii lafa inveestimentii hek. 278,016, lafa IMX hek.182,829, lafa hawaasummaa adda addaaf oolu hek.55,456 qophesuuf karoorfamee ture keessaa walduraa duubaan inveestimentiif hek 120,464, IMX hek 222,188, tajaajila Albuudaaf hek 15,444 Ikoo turizmiif oolu hek 6,178, lafa manifaakcheringii Induustiriif oolu hek 12, 355 fi tajaajila hawaasummaa fi dargaggoof oolu lafa hek 43,941 kan qophaa'ee dha. walumaagala qophiin lafa tajaajila adda addatiif oolu baadiyaa kessaatii qopheesuu kan hawaasummaa irraa kan hafe gaarii ta'uu isaa namatii argisiisa. Haa ta'u maalee kana jechuun laftii adda bahe hundi tajaajilaa barbaadameef oolee jira kan jedhamuu miti waan ta'eef karooraa itti aanu keessaatii dhimma xiyyeeffanoo barbaadudha.

Gabatee 2.25: Lafa tajaajila adda addatiif oolu qopheessuu

Hojiiwwan Gurguddoo hojjetaman	2007	2008		2009		2010		2011		2012		Manii KGT-II	
		kar.	raw	kar.	raw	kar.	Raw	K	R	R	raw	Kar	Raaw
Lafa inveestimentiif oolu qopheessuu (Hek)	300,858	55,593	39,423	55,600	21,204	55,780	31,128	55,862	13,023	55,181	120,464	278,016	120,464
Lafa taj. dhaabilee hawaasa adda addaatiif qopheessuu. (Hek)	16,580	11,091	5,252	11,091	3,219	11,091	1,199	11,091	7,208	11,092	43,941	55,456	43,941
Lafa baadiyaa IMX oolu qopheessuu (Hek)	110,656	36,565	35,425	36,566	40,487	36,566	83,066	36,566	30,301	36,566	222,188	182,829	222,188
Lafa Waliigala Taj. adda addaatiif oolu qopha`ee (Hek)	428,094	103,260	80,6280	103,260	65,946	103,260	127,470	103,260	52,327	103,260	386,593	516,301	420,570

Madda : Biiroo Bulchiinsaa fi Ittifayyadama Lafa Oromiyaa, 2012

Lafa baadiyaa haala hammayyaatiin safaruu fi galmeessuu ilaalchisee KGT-II kessatii lafa hek 9,038,673 raawwachuuf karoorfame hanga ammatii lafa hek mil 2.834 raawwachuun dandamera. Abbaa warraadhaan karoorrii waggaa shaniif qabamee 2,427,521 keessaa hanga ammatii raawwiin Abbaa Warraa 1,934,743 (%79) safaramee jira. Raawwiin hojii haala ammayyaatiin lafa safaruu gad-aanaa kan ta'eef hojichii baajeta guddaa, teknoolojii ammayyaa lafa ittiin safaramuu fi oggeessota oogummaan kun barbaduu guutamu dhabuu irraa kan ka'e dha. Haa ta'u malee galteewwaan hojii kaanaaf barbaachisaa ta'anii osoo jiraanii hooggansii sadarkaa sadarkaan jiru faayidaa hojiin kun guddina misoomaaf karoorfame galma akka gahuuf qaama kessatii hirmaachuu qabu hirmaachisuun itti karoorsuun qindoominaa hojjechuu dhabuun hanqina mula'tuu dha.

Kennaa waraqaa qabiyyee lafa sadarkaa 2^{ffaa} galmii isaa inni guddaan qonnaan bulaa abbaa qabiyyee ta'ee waraqaa qabiyyee lafa isaa ta'uu mirkanessuu harkaan ga'aachuu yoo ta'u, xumura KGT-I irratti lafa dhunfa hek.6,777,572, lafa waliin hek.1,353,156, lafa dhaabbilee adda adda hek.238,161 irraatii waraqaa ragaa qabiyyee sadarkaa 2^{ffaa} kennuuf karoorfamee ture keessaa raawwiin isaa xumura KGT-II irratti lafa hek mil 1.861, lafa waliinii hek 34,102, lafa dhaabbilee adda addaa hek 61,650 ta'u duraa duubaan waraqaan ragaa qabiyyee mirkaneessuu kennuun raawwatamuu danda'eera. Abbaa warraa Waraqaa qabiyyee waggaa shaanan kessaatii argachuu qabaan 3,071,562 karoorfamee keessaa hanga ammaatti abba warraa 1,124,021 kennamuu danda'ee jira. Raawwiin kun gad-aanaa ta'uun qotee bulaa keenyaa of-itti amanamummaa qabiyyee isaa irratti qabaachuun oomishaa fi oomishtummaa akka hin guddisne, akkasumas wal-diddaa daangaa lafaa irratti qotee bulaa gidduutti uumamu xiqqaachaa akka hin deemne, qotee bulaan yeroo isaa guutuu misooma irratti akka hin dabarsinee fi tasgabbiin hawaas-diinagdee baadiyaa keessatti akka hin jiraanne gochaa kan jiru waan ta'eef karoora itti aanuu keessatti hojii xiyyeeffannoo guddaa barbaaduu dha.

Walumaagala raawwiin hojii bulchiinsaa fi itti fayyadama lafa baadiyaa hojiiwaan gurguddoo keessatii gad- aanaa ta'uuf sababa kan ta'e saamicha lafa bosonaa, lafa dheedichaa, lafa inveestimentii, lafa albuudaa fi miidhaa kununsaa qabeenyaa uumamaa irraatii kan fidaa jiruuf rakkoo bulchiinsa gaarii fi kiraasassabdummaa hamaa baadiyaa keessaatii dagaagsaa kan jiru waan ta'eef raawwii hojii kanaa gadi harkisuu keessaatii waan hudhaa ta'anii jiran karoora itti aanu kessaatii xiyyeeffannoo kennuun hojjechuun dhimma murteessaa ta'a.

2. **Misooma Manaajimentii Lafa Magaalaa**

Bulchiinsa lafa magaalaa ammayyeesuuf waggoottan KGT-II keessatii magaalota 564 ragaa baankii lafaa gurmeessuun lakkaa'uu(inventory) qabiyyee lafaa hek 256,548.72 irratti gaggeessuuf karoorfame ture keessaa lafa hek kuma 302 kan ta'u irratii inventeriin gaggeeffamera.Gama biraatiin, ragaawwan mana galmee teknoolojiitiin deeggaruun faayiloota 3,118,040 gurmeessuuf karoorfamee faayiloota mil 1.3 (%42) gurmeessuun ragaa qabiyyee lafa maggaalaa akka ammayyaa'uu ta'eera. Raawwiin faayiloota teknoolojiin deeggaruun gurmeessuu kun karooraa waajjin yeroo ilaalamu gad-aanaadha. rakkoon guddaan hojii kanaaf xiyyeeffannoo kennuun loojistikii fi humna nama hojii kanaaf barbaachisuu gutuun itti hojjechuu dhabuu hooggansa waan ta'eef karoora itti aanu keessattii xiyyeeffannoo addaa kan barbaadu dha.

Kaadaastera seeraan hojiirraa oolchuuf KGT-II keessatti magaalota 29 keessatti diriirsa neetwoorkii, daataa beezii fi bu'uraalee misoomaa sirna ragaa kaadaastera seeraatiif barbaachisan raawwachuuf karoorfame magaalota adda addaa irratti hojiin kaadaastera hojjetame jira. Akkasumasii, lafa magaalaa akkaataa teessuma lafaan gurmeessuun faayila qabiyyee lafaa kaartaa bu'ura kaadaasteraa fi koodii adda lafa cittuu (qeenxee) akka walitti hidhamu taasisuuf moosaajii tokko misoomsuun kaadaastera seeraa magaalota 16 keessatti hojiirra olchuun mirkaneessa qabiyyee lafaa namoota kuma 280 fi galmeessii mirga abbaa qabeenyummaa namoota kuma 185 raawwachuuf karoorfamuus magaala Adaamaa qofa keessatti jalqabamee

mirkaneessi qabiyyee lafaa namootaaf kennameera. Raawwiin kun gad-aanaa dha. sirna kaadaastera hammayyeessuu keessatti rakkinni guddaan hooggansi sadarkaan jiru qophii humna namaa fi dhiyeessa meeshaleef xiyyeeffaannoo kennuu dhisuudha. kun immoo kiraasassaabdummaa lafa magaalaa irratti mul'atu dhabamsiisuun lafti magaalaa karaa ammayya'aa ta'een hojiirra akka oolu gochuun fayyadamummaa uummataa mirkaneessuu irratii dhibaa fide kan jiru waan ta'eef fuula duraaf karaa iftoomina qabuu fi ittigaafatamummaa hordofsiisuu danda'uun akka gaggeeffamu gochuun baayyee barbaachisaa ta'a.

Qabiyyee durii waraqaa abbaa qabeenyummaa hin qabne kuma 213.9 fi ijaarsa seeraan alaa dambii liiziin dura ijaaraman kuma 82.2 waliigala namoota kuma 296.1 KGT-II keessaa waraqaa ragaa abbaa qabeenyummaa kennuun seera qabeessa taasisuuf karoorfamee hanga ammatii duraa duubaan kuma 176.7(%83) fi kuma 22.1 waliigala kuma 198.9(%52.9) qofa raawwachuun danda'ameera. Raawwiin kun seeraan alummaa fuulaa duraaf hambisuuf hojii kanaaf xiyyeeffaannoo kenuun keessaa bahuuf sochiin godhamaa jiru laafaa ta'uu mul'isa. Akkasumaas, galiin magaalotaa lafa irraa sassaabamuu akka hin sassaabamne taasisuu bira darbee qonnaan bulaan naannoo magaalaa jiraatu lafa isaa gatii gad- aanaa fi seeraan ala akka gurguru kan taasisu waan ta'eef kiraasassaabdummaa babal'isuun ijaarsa seeraan alaa akka babal'atu taasisaa jira. Kanaaf dhimma seeraan alaa kana seera qabeessa taasisuun hojii seeraan alaa ambisuun murteessaadha.

Qophii fi misooma lafa magaalaa bara KGT-II keessatti lafa tajaajila adda addaatiif oolu (IMX, mana jirenyaa, daldala adda adda, induustirii adda addatiif) hek kuma 48.73 qopheessuuf karoorfame hanga ammatii lafa hek Kuma 28.6(%58.6) qopheessuun kan danda'ame yoo ta'u lafa hek kuma 28.6 bara karoorichaa keessatti caalbaasii fi ramaddiin dabarsuuf karoorfame irraa lafa hek. Kuma 16.04 ramaddii fi caalbaasii hojii misooma barbaadameef dabarsuun danda'amee jira. Lafa qophaa'e keessaa dabarsuun kan danda'ame %56 qofa dha.

Raawwiin qophii lafaa gad-anaa ta'uun sirni bulchiinsa lafaa ammayya'uu dhabuu irraa kan madduu fi magaalonni tokko tokko immoo beenya barbaachiisaa ta'e kaffaluun bu'uraalee misoomaa guutachuun lafa qophesuuf humna waan hin qabneef ta'uun hubatamee jira. Gama biraatiin, lafa qophaa'e tajaajila barbaadamuuf dabarsuu dhabuu fi harkifanaaniis ni jira. Kun immoo hojiileen misoomaa gara garaa yeroo isaa eeggatee akka hin raawwatamne taasisa. Kanaaf rakkoo eeraman qindoominaan furuun lafa bu'ura misoomaa guuttate dhiyeessuun dhimma xiyyeeffannaa argachuu qabu ta'a.

2.3.5.Misooma Daldalaa

Hojii daldala naannoo keenyaa keessatti gaggeeffamu seera qabeesaa fi ammayyaa'aa taasisuun babal'isuu, mirga fayyadamtootaa eegsisuuf jecha riifoormii daldala hojii irra oolchuun KGT-II keessaatii haqa qabeessummaa daldalaa fi ammayyumma daldalaa irraatti hojiin karoorfame hojjetamaa turee jira. Akkasumas, daldalli seera qabeessa ta'e akka dagaagu to'annoo dhaabbilee daldaltootaa xumura KGT-I irratti 3,661,068 irra ture KGT-II keessa dhaabbilee daldaltootaa 18,544,820 rratti irra deddeebiin to'annoo gaggeessuuf karoorfame hanga bara 2012 dhaabbilee daldalaa17,196,934(%93) irrati to'annoon gaggeeffame jira.

Kanaaniis bara baraan daldaltoonni seeraan ala adda bahan keessaa %32-%87 gara seera qabeessummaatti kan deebi'aan yoo ta'esi amma illee labsii daldalaa karaa faallesuun daldala wal-hin fakkaanne walkeessa makuun gurguruu, kan yeroon isaa irra darbe gurguruu, maadii oomisha isaa kan hin beekamnee fi fayyaa namaa irratti dhibbaa uuman gurguruun waan jiruuf hojii xiyyeeffannoo guddaa kan barbaadu dha.

Daldala ammayyeesuuf riifoormii daldala hojii irraa oolchuun sirna galmessaa fi hayyama daldalaa teknoolojiin deeggaramee fi dhaqabamaa tasisuuf KGT-II keessatti hojiin hojjetama ture jira. Haalumaa kanaan xumura KGT-I irratti

daldaltoota haaraa galmeessuu 288,150 irra ture xumura KGT-II irratti 629,984 irraan gahuuf karoorfamee ture keessaa raawwiin KGT-II irratti 657,662 (%100 ol), hayyama daldala haaraa kenuu fi hayyama daldala haaressuu xumura KGT-I irratti walduraa dubaan 319,090 fi 855,640 irraa ture xumura KGT-II irratti waldura dubaan 712,370 fi mil.1.36 irraan gahuuf karoorfamee ture keessaa raawwiin 754,520(%100 ol) fi mil. 1.75(%100) irra gahee jira. Daldaltoota haaraa galmaa'an keessaa 46,717 sababa adda addaatiin kan harca'anii fi hayyama kan bafataan keessaa 73,673 hayyamni isaan kan haqamee dha. Ragaan kun kan argisiisu daldaltoonni haaraa galmaa'anii fi hayyama baafatan hundi itti fufinsaan hojjechuu irratti harcaatiin kan jiru ta'uu kan agarsiisu dha. Kunis hanqinni deeggarsaa fi hordoffii gama oogummaan godhamaa jiraachuu kan mul'isu waan ta'eef dhimma xiyyeeffannoo barbaadu dha. Akkasumas daldala seeraan alummaatti waan deemuu danda'uuf dhimmi to'annoo daldala seeraan ala xiyyeeffannoo addaa kan barbaadudha.

Walumaagala hawaasni daldala adeemsa gabaa sirrii hin taanee fi faallaa dorgommii gabaa akka hin raawwannee, meeshaalee bu'uraa qul-qullina hin qabne gabaa irrattii dhiyeessuun nageenyaa fi fayyummaa fayyadamtoota irrattii midhaan akka hin geessisnee fi fayyadamtoonni gatii baasaniif meeshaalee fi tajaajila madaalawaa akka argatan gochuu irratti hojiin hojjetame yoo jiraates amma illee komii hawaasaa fayyadamtoota hedduu irratti kan jiruu fi rakkoo kiraasassaabdummaa fi bulchinsa gaarii bal'aa keessatti kan mul'atu ta'ee waan argamuuf fuulaa duraaf hojiiwwaan xiyyeeffaannoo barbaadanidha.

2.3.6.Misooma Gabaa

Ejensiin Misooma Gabaa Oromiyaa Labsii 213/2011 yammuu hundaa'u dameewwan mana hojichaa keessatti hundaa'an keessaa tokko damee misooma gabaa yammuu ta'u damee kana jalattis daarektoreetii ijoo, daarektoreetii gabaa oomishalee al-ergee, daarektoreetii walitti hidhaminsa gabaa oomisha qonnaa fi daarektoreetii qorannoo piromooshinii fi odeeffannoo gabaa gurmaa'anii jiru.

Hojiiwwan ijoo damee kana jalatti raawwataman yammuu ilaallus labsii, dambii, qajeelfamootaa fi maanuwaalota gara garaa hojichaaf gargaaran sadarkaa naannoo fi biyyaatti qophaa'an irratti hundaa'uun sirna gabaa ammayyaa, haqa qaabeessaa fi saffisaa ta'e naannicha keessatti diriirsuun hirmaatota gabaa hunda fayyadamaa taasisuuf kan hojjetu dha. Dabalataanis, hojiilee sirna gabaa ammayyaa diriirsuuf gumaacha taasisan keessaa qorannoo fedhii fi dhiyeessii oomishalee qonnaa adeemsisuu, sirna tajaajila odeeffannoo gabaa babal'isuu fi walitti hidhaminsa gabaa uumuuf xiyyeeffannoo kennee kan hojjetuudha. Haaluma wal-fakkaatuun oomishaleen qonnaa sirni diriireefis ta'e kanneen biroo gabaa biyya keessaa fi alaa irratti barbaadaman baay'inaan, qul-qullinaan, yeroo fi iddoo itti barbaadamanitti karaa seera qabeessa ta'een akka dhiyaatan kan hojjetudha. Haaluma kanaan, tokkoon tokkoo hojiilee gurguddoo baroota KGT-II keessatti raawwataman ciminootaa fi hanqinoota jiran akka itti aanutti xiinxaluun dhiyaatee jira.

1. Gabaa Oomishalee Al-Ergee

Akka Naannootti sirni gabaa ammayyaa akka hojiitti hiikamu gumaacha kan taasisu keessaa dhiyeessitootaa fi ergitoota gabaa oomishalee qonnaa al-ergee ta'aniif akkaataa fi gosa tajaajila deeggarsa hojii nu irraa barbaadan hubachuun saffinaan keessumeessuuf carraaqqii fi yaaliin adda-addaa taasifama turee jira.

a. Buna

Akkuma beekamu naannoon Oromiyaa naannoo argama oomisha bunaa ta'uu isheen alatti buna misoomsuudhaaf haala qilleensaa mijaa'aa qabaachuu irraa kan ka'e godinaalee naannichaa 17, Aanaalee 113, Gandoota Qonnaan Bulaa 4,524 keessatti bunni kan Oomishamaa jiru yoo ta'u, kanneen keessaas Godinaaleen 12 Aanaaleen 96 fi Gandoonni Qonnaan Bulaa 3,174 ta'an haala gaarii fi adda ta'een oomisha bunaa qopheessuun gara giddugala gabaa oomisha Itoophiyaatti dhiyeessuun galii sharafa biyya alaa irraa argamsiisaa jira.

Dhiyeessii fi raawwii oomisha bunaa jalqaba KGT-II irraa kaasee jiru yoo ilaalamu bara 2008-2012 keessa waggaa waggaan buna toonii 220,999–262,000 ta'u akka gabaa gidduugaleessaaf dhiyaatu karoorfamee kan ture keessaa raawwiin isaas %75 ol kan ta'e giddugaleessaan raawwiin waggoottan shananii (85%) ta'a.

Kanaan wal-qabatee raawwii dhiyeessii bunaa fi sharafa biyya alaa argamsiise yoo ilaallu; baroota KGT-II keessatti buna toonii 1,214,999 gabaa giddugaleessaa (ECX) akka dhiyaatu taasisuuf karoorfame keessaa toonii 1,031,553 (85%) dhiyaatee jira. Buna gabaa giddugaleessaaf dhiyaate keessaas tooniin 832,252.16 gabaa biyya alaaf dhiyaatee jira.

Gumaacha guddina hawaas-diinagdee bunni Oromiyaa qabu agarsiiftuuwwan gurguddoon yoo ilaalamu, namoota hojii misooma gabaa oomisha bunaa irratti bobba'an (oomisha geejjibsiisuu, fe'uu fi buusuu, qul-qulleessuu fi qopheessuu fi kkf irratti bobba'an) waggaa waggaan giddugaleessaan fayyadamtoota mil 2.1 ta'aniif carraa hojii uumuun jiruu fi jireenya isaanii akka fooyyeffatan gochuun guddina hawaas- diinagdee naannichaa keessatti gumaacha taasisee jira.Baroota KGT-II kana keessatti baay'inni dhiyeessitoota oomisha Bunaa akka naannoo keenyaatti jiranii fi ulaagaalee barbaachisan guuttachuun karaa seera qabeessaan gabaa giddugaleessaaf dhiyeessaa jiranii akkasumas,galii mootummaaf barbaachisu kaffalaa jiranii dhiyeessitoota 3,462 ta'ani dha.

Karaa biraan, KGT-II keessatti Saliixii toonii 309,143 gabaa giddugaleessaaf akka dhiyaatu taasisuuf karoorfaame keessaa toonii 290,000 gara gabaa biyya alaatti ergamuun sharafa biyya alaa argamsiisee jira.

Boloqqee Adii toonii 229,723 gabaa giddu galaaf akka dhiyaatu taasisuuf karoorfame keessaa toonii 29,000 (kun mil.0.29) gabaa biyya alaatti kan ergame yoo ta'u, kanaanis sharafni biyya alaa biyyi keenya argachuu qabdu akka dabalu ta'eera. Guddina hawaas-diinagdee keessatti gumaacha gochaa jiraachuu isaaf agarsiiftuuwwan gurguddoon baay'inni dhiyeessitoota oomisha Saliixii akka

naannoo keenyaatti jiranii fi ulaagaalee barbaachisan guuttachuun karaa seera qabeessaan gabaa giddugaleessaaf dhiyeessaa jiranii akkasumas,galii mootummaaf barbaachisu kaffalaa jiran KGT-I irraa KGT-II keessatti dabalaa akka dhufan ragaan jiru ni agarsiisa.

Bifuma wal-fakkaatuun baay'inni dhiyeessitoota oomisha Boloqqee Adii akka naannoo keenyaatti jiranii fi ulaagaalee barbaachisan guuttachuun karaa seera qabeessaan gabaa giddugaleessaaf dhiyeessaa jiran dabalaa dhufuu ragaan adda addaa ni agarsiisa. Dabalataan namoota hojiilee oomishaalee kanneen geejibsiisuu, fe'uu fi buusuu akkasumas qul-qulleessuu irratti bobba'aniif madda galii jiruu fi jireenya isaanii itti fooyyeeffatan ta'uun tajaajilaa jira.

b. Boloqqee Diimaa, Maashoo fi Atoo Aannanii

Oomishaaleen kanneen baroota KGT-I keessatti sirna gabaa hammayyaa kan hin qabnee fi iddoo gabaa adda bahes ta'e hirmaattonni gabaa isaanii adda bahuun kan hin beekamne turan. Baroota KGT-II keessa gabaa isaanii hammayyeessuuf Sirna Bittaa fi Gurgurtaa oomishaalee Dheedhii Dambii lakk-377/2008 akka biyyoolessaatti yoo bahe illee bara 2011 irraa eegalee hojiirra akka oolu ta'ee jira.

Walumaagalatti, giraafii armaan gadii irraa hubachuun akkuma danda'amu raawwii dhiyeessii Boloqqee Diimaa, Maashoo fi Atoo Aannanii toonii 372,344.08 gabaa giddugaleessaaf akka dhiyaatu taasisuuf karoorfamee ture keessaa raawwiin toonii 57,000(kun mil 0.57)gabaa biyya alaaf akka dhiyaatu taasisuun sharafa biyya alaa biyyi keenya argachuu qabdu akka dabaluuf hojii guddaan hojjetamaa turee jira.

Bu'aa Boloqqeen guddina hawaas-diinagdee keessatti qabu ilaalchisee dhiyeessitoonni daldala oomishalee kanneen irratti bobba'an ulaagaalee barbaachisan guuttachuun karaa seera qabeessaan gabaa giddugaleessaaf dhiyeessaa kan jiran yoo ta'u, kunis galii mootummaaf barbaachisu seeraan akka kaffalamu gochuu guddina diinagdee naannoo keenyaa utubuu keessatti qooda isaa akka bahatu godhee jira. Dabalataan namoota hojiilee oomishalee kanneen geejjibsiisuu,fe'uu fi

buusuu akkasumas qul-qulleessuu irratti bobba'aniif madda galii jiruu fi jireenya isaanii itti fooyyeeffatan ta'uun tajaajilaa jira.

c. Jimaa

Oomishni Jimaa al-ergeef oolu akka biyyattis ta'e akka naannoo keenyaatti godinaalee lamaan (Harargee Bahaa fi Harargee Lixaa) irraa qofa gabaa biyya alaatti kan ergamu dha.Jimaa toonii 389,711 gabaa biyya alaatti akka dhiyaatu karoorfaamee ture keessaa toonii 312,321(%80.1) (kunt. mil. 3.12) raawwatamee jira. Kana irraas biyyi keenya sharafa biyya alaa guddaa akka argattu ta'ee jira.

Giraafii 2.18: Dhiyeessii Jimaa



	2008	2009	2010	2011	2012	Manii KGT-II
Karoora	63,732	66,919	95,000	96,300	389,711	711,662
Raawwii	50,084.80	48,754.80	93,711	52,760	312,321	557,632
%	78.6	72.9	98.6	54.8	80.1	78.4

Madda Ejensii misooma Gabaa Oromiyaa 2012

d. Beeylada Dhaabbii

Giraafii 2:19 armaan gadii irraa hubachuun akkuma danda'amu, haala dhiyeessii beelladaa dhaabbii gabaa biyya alaa baroota KGT-II keessatti raawwataman yoo ilaallu; bara karooraa 2009/2010 keessaa karoorfamee ture keessaa raawwiin galmaa'ee wal-duraa duubaan (%40.7 fi %31.4) qofaa dha. Karoora dhiyeessii waggoottan shanan darbe keessatti qabaman keessaa raawwiin %72.5 kan hin caalle ta'uu isaati. Walumaagalatti, KGT-II keessatti beellada dhaabbii 2,789,950 gabaa biyya alaatti akka dhiyaatu karoorfamee ture keessaa 2,090,000 qofatu raawwatee jira.

Giraafii 2.19: Dhiyeessii Beellada dhaabbii Gabaa alaatiif



Madda Ejensii Gabaa Oromiya 2012

2. Wal-Quunnamsiisa Gabaa

Qonna kontiraataatiin walitti hidhaminsi gaggeeffamaa ture oomisha biyya alaatii kanaan dura sharafa biyya alaatiin gala turan garbuu biiraa fi qamadii paastaa irratti gaggeeffamaa kan ture dha. Walitti hidhaminsi gaggeeffamu warshaalee waliin ta'uu isaatiin qonnaan bulaan yeroodhaa yerootti deeggarsa karaa funcaa sonaatiin argataa waan tureef akkasumas bu'aa oomisha isaa irraa argachaa waan jiruuf

oomishtoonni oomisha isaanii yeroo gara yerootti dabalaa akka dhufan ragaan jiru ni agarsiisa. Xiinxala walitti hidhaminsa qonna kontiraataa fi bu'aa irraa argame haala armaan gadiitiin dhiyaatee jira.

Gabatee 2.26: walitti hidhaminsa omisha gabaa Qonnaa

Agarsiiftuu	**Gosa oomisha**	**2008**	**2009**	**2010**	**2011**	**2012**
Walitti hidhaminsa gabaa qonnaan bultootaa fi bitattoota gidduutti uumuun dhiyeessiin dabalaa dhufuu **toonii *(000)***	Garbuu Biqila Biiraa	19.8	38.4	38.8	45.4	57
	Qamadii Paastaa fi Daabboo	380	395	371.5	421.9	477

Madda: Ejensii Misooma Gabaa Oromiyaa, 2012

Jalqabbiileen KGT-I keessatti turan akkuma jirutti ta'ee, baroota KGT-II jalqabbii ture caalmaatti xiyyeeffannoon irratti hojjetaman keessaa gurguddoon; waliigaltee qonna kontiraataa Garbuu Biqila Biiraa Warshaalee Biiraa gurguddoo, Warshaa Biqila Asallaan, Dhaabbata Daldala Midhaan Itoophiyaa /'Ethiopian Grain Trade Enterprise' (EGTE), Warshaalee gurguddoo daakuu daabboo, paastaa, mokoronii, buskuta adda addaa fi oomishtoota waldaa fi yuuniyeenii gurmaa'an godinaalee 6 Arsii, Arsii Lixaa, Baalee, Shawaa Bahaa, Shawaa Lixaa fi Sh/Ki/Lixaa keessatti argaman gidduutti walitti hidhaminsi gabaa haala fooyyee qabuun gaggeeffamee jira. Gabatee armaan oliirraa akkuma hubachuun danda'amu walitti hidhaminsi garbuu irratti warshaa biiraa waliin taasifame bara 2008 toonii 19,800 irra kan ture 2012 gara toonii 57,000 (kunt mil 0.57) ol-guddateera. Bifuma wal-fakkaatuun walitti hidhaminsi qamadii paastaa fi daabboo irratti dhiyeessitootaa fi warshaalee gidduutti taasifame 2008 irratti toonii 380,000 kan ture bara 2012 gara toonii 477,000(kunt mil 4.77) ol-guddatee jira. Kanis walitti hidhaminsi dhiyeessitootaa fi warshaalee gidduutti uumamaa dhufe yeroodhaa yerootti guddachaa akka dhufee kan agarsiisuu dha.

Walumaagalatti, hojiileen waggoottan muraasa kana keessatti gama walitti hidhaminsa gabaan hojjetamaa jiran baroota dheeraaf sirna gabaa biyya keenyaa keessatti kan hin shaakalamne yoo ta'e iyyuu; otoo oomishni hin oomishamiin dura fedhii fi dhiyeessii adda baasuu irraa eegalee gaaffiilee gurguddoo gabaa keessatti qaama bituunis ta'e isa gurguruun ka'an deebisuu irratti gumaachi godhe salphaa miti.

Haa ta'u malee, muuxannoon raawwii KGT-II akka agarsiisutti hojiileen hojjetaman quubsaa kan hin turree fi baroota karooraa dhufan keessatti dhimma xiyyeeffannoo guddaa barbaadu ta'uu isaa nu agarsiisa. Kanumaan wal-qabatee dhimmi akka rakkootti xiyyeeffannoon irratti hojjetamuu qabu sababa daldala seeraan alaatiin kan ka'e haala waliigalteetiin bittaa fi gurgurtaan raawwatamuu irratti kan hafu waan t'eef dhimma hojii cimaa gaafatu dha.

Walitti hidhaminsi kun walitti hidhaminsa oomishni edda oomishameen booda bakka oomishni baay'inaan jirurraa gara oomishni hin jirreetti karaa waldaalee gamtaa fi karaa daldaltoota midhaaniitiin godinaa godinatti, aanaadhaa aanaatti akkasumas aanaadhaa magaalaatti kan geggeeffamu dha. Dabalaa dhufuun walitti hidhaminsa gabaa oomisha midhaanii gabatee fi fakkii armaan gadii irratti dhiyaatee jira.

Giraafii armaan gadii irraa hubachuun akkuma danda'amu dhiyeessii oomishalee gurguddoo walitti hidhaminsa gabaaf baroota KGT-II keesstti raawwataman yoo ilaallu, oomishalee midhaan dheedhii fi agadaa, irratti baay'inni dhiyeessii waggaa waggaan ture haala wal-fakkaataniin dabalaa deemuu isaa agarsiisa. Gama biraatiin, dhiyeessii walitti hidhaminsa gabaaf haala mijate kan oomishalee midhaan biilaa fi dibataa dimshaashaan yoo ilaallu, waggoottan walitti aanan shananiif itti fufinsaan dabalaa jiraachuu isaa kan ibsu dha.

Giraafii 2.20: Tireendii walitti hidhaminsa gabaa midhaanii



	2008	2009	2010	2011	2012
Midhaan dibataa	32.9	39.8	44.2	58.3	58,000
Midhaan dheedhii	36.2	43.8	53	64.2	11,800
Midhaan agadaa	406.2	491.5	594.7	719.6	1,240.000
Midhaan biilaa	4817.5	5829	7058.3	8534.5	345,500

Madda: Ejensii Misooma Gabaa Oromiyaa, 2012

3. Walitti Hidhaminsa Gabaa Kuduraa fi Muduraa

Oomishni kuduraa fi muduraa yeroodhaa yerootti babal'ina jallisii wajjin wal-qabatee babal'ataa kan dhufe yoo ta'u ammallee darbee darbee oomishni wal-fakkaatu yeroo tokkotti gahuun wal-qabatee gatiin gad-bu'uun ni mul'ata.rakkoo kana hiikuudhaaf walitti hidhaminsai gabaa magaalaa Finfinnee fi magaalota keenya gurguddoo waliin gaggeeffamaa jira. Keessumaa oomishalee kan akka Qullubbii diimaa, Qullubbii adii, timaatima, mosee ykn dinnicha fi paappayyaa irratti karaa fooyyee qabuun gaggeeffamaa kan ture yammuu ta'u KGT-II keesstti dabalaa dhufuun walitti hidhaminsa gabaa oomisha kuduraa fi muduraa haala armaan gadiitti dhiyaateera. Gama birootiin walitti hidhaminsa gabaa oomisha kuduraa fi muduraa yeroo ilaallu bara 2008 irraa jalqabee karaa wal-fakkaataa ta'een dabalaa deemuu agarsiisa.

Giraafii 2.21: walitti hidhaminsa gabaa kuduraa fi muduraa



Madda: Ejensii Misooma Gabaa Oromiyaa, 2012

4. Walitti Hidhaminsa Gabaa Beellada Dhaabbii fi Gogaa fi Kal'ee

Beelladni gabaa sadarkaa tokkoffaatti dhufu waggaa waggaadhaan dabalaa jira. Fedhiin gabaa biyya keessaas akkasuma dabalaa waan jiruuf osoo walitti hidhaminsi gabaa hin barbaachisiin bakka gabaatti furdistoota ykn gabbiftoota Beelladaa fi waldaalee warshaa qeeraa al-ergee Beellada gurguramaan kan jiranii fi waggoota lamaa as gatiin beellada itti gurguramaa ture gaarii waan ta'eef walitti hidhaminsi baay'inaan osoo hin barbaadiin gaggeeffamaa kan ture ta'uu agarisa. Raawwiin waliitti hidhaminsi gabaa beellada dhaabbii fi gogaa fi kal'ee haala armaan gadiitiin dhiyaatee jira.

Giraafii 2.22: walitti hidhaminsa gabaa beeylada dhaabbii fi bu'aalee



Madda: Ejensii Misooma Gabaa Oromiyaa, 2012

Giraafii armaan oliirraa akkuma hubachuuf danda'amu walitti hidhaminsi beellada dhaabbii bara 2008 hanga 2010 dabalaa kan deeme yammuu ta'u bara 2011 fi 2012 immoo hir'achaa dhufuu agarsiisa. Bifuma wal-fakkaatuun walitti hidhaminsi gogaa fi kal'ee bara 2010 sadarkaa ol-aanaadhaan dabalee kan ture yammuu ta'u bara 2011 fi bara 2012 hir'achaa dhufuu agarsiisa. Hir'achaa dhufuun walitti hidhaminsa gabaa beellada dhaabbii akkuma armaan olitti ibsuuf yaalame waggoota lamaa as fedhiin beellada dhaabbii irratti jiru dabalaa dhufuu fi gatiin beellada dhaabbii dabalaa dhufuu irraa kan ka'e walitti hidhaminsi osoo hin barbaachisiin gabaa keessatti gurguramaa waan jiruu dha. Gad-bu'uun walitti hidhaminsi gabaa gogaa fi kal'ee xiyyeeffannaan itti kennamee karoora itti aanu keessatti irratti hojjetamuu akka qabu kan agarsiisu dha.

5. Odeeffannoo, Qorannoo fi Piromooshinii Gabaa

Hojiin tajaajila odeeffannoo gabaa wayitaawaa fi haaqa qabeessa ta'e hirmaattota gabaa bira akka gahu gochuun hawaasa fayyadamaa taasisuu dha. Dabalataanis qorannoo gabaa galtee imaammataa ta'uu danda'an adda addaa gaggeessuu fi hojii piromooshinii adda addaa hojjechuudhaan oomishaalee qonnaa naannoo keenyaa gabaa biyya keessaa fi biyya alaatti beeksisuudha.

Haaluma kanaan, KGT-II keessatti Magaalota/aanaalee oomishni qonnaa bal'inaan irratti gabaaf dhiyaatuu fi naannoo Oromiyaa bakka bu'uun waa'ee odeeffannoo gabaa oomishaalee qonnaa giddu galeessummaan ibsuu danda'u jedhamanii yadaman qorannoon adda bahanii jiru. Ka'umsa KGT-I wirtuulee 60 keessatti ragaa odeeffannoo gabaa oomishaalee 55 ta'anii sassaabuu, qindeessuu, xiinxaluu fi dhaabbilee garaa garaa waliin ta'uun meeshaalee sab-quunnamtii fi tooftaalee adda addaa fayyadamuun tamsaafamaa ture, hanga dhuma bara KGT-II wirtuulee 60 ture 27 dabaluun gara 87 ol- guddisuuf karoorfamee ture keessaa raawwiin 70 (%80.46) milkaa'ee jira. Kallattiin tamsaasa isaas Raadiyoonii fi TV, 'Web-site' (hanga walakeessa KGT-II), 'call center 888'(hanga bara 2010), fi 'call center' 6077(bara 2012 eegalee), boordii odeeffannoo irratti maxxansuu fi kkf gargaaramuun raawwatamaa kan jiruu fi hawaasa daldalaa fi fayyadamtoota odeeffannoo gabaaf tajaajilaa kan jiru dha.

Gama biraan qul-qullina ragaalee odeeffannoo gabaa (%60) irraa jiru (%30) dabaluun gara (%90) ol- guddisuuf kan karoorfamee yoo ta'u, hojii kanaaf gumaacha kan godhu Sirna sassaabbii odeeffannoo gabaa fooyyessuu fi ragaa qul-qulluu fi wayitaawaa fayyadamtoota odeeffannoo gabaaf dabarsuuf akka gargaaru GPS akka hordofamuuf ogeessota wirtuulee 70 irra jiran keessaa 54 (%77); kan KGT-II karoorfame keessaa 87(%62) meeshaalee kompiitera 'laptop' 12 fi 'Mobile' 64 akka argatan ta'ee leenjii ogummaan deeggaramanii hojjechaa jiru

Gumaacha guddina hawaas-diinagdee keessatti godhe dhaqabamummaa isaa irratti hanqina qabaatus odeeffannoo gabaa tooftaalee adda addaan tamsa'an bituufis ta'e gurguruuf, hirmaattonni gabaa gatii oomishaa murteessuuf kan itti fayyadamaa jiran ta'uu isaa; qorannoo gaggeessuuf dhaabbilee barnoota ol-aanoo, dhuunfaa, mootummaa, mit-mootummaa fi kkf ragaalee odeeffannoo gabaa gosa oomishaan, baraa fi aanaan adda baasanii gaafachuun fayyadamaa kan jiran ta'uu fi dhimmoota murtii adda addaa (wal-dhabbii mana murtii furuuf, galii murteessuuf fi kkf) madda odeeffannoo hangafaa ta'uun tajaajilaa jiraachuu dha.

Hojii qorannoo fi piromooshinii gabaa ilaalchisee; hojiin kun walakkeessa bara 2011 booda kan jalqabee fi haala barbaadamuun hojiitti kan hin galamne ta'uu irraa kan ka'e bara 2012 sirna gabaa isaanii hammayyeessuuf qorannoon oomishaalee qonnaa 5 irratti gaggeessuuf karoorfamee 1(%20) qofa raawwatee jira. Hojii piromooshinii irrattis egzibiishinii 2 qopheessuuf karoorfamus hin raawwatamne. Kunis, hojiileen gama qorannoo fi piromooshinii gabaa jiran dhimmoota irratti xiyyeeffachuun karooraan deeggaramanii hojjetamuu qaban ta'uu isaa kan argisiisu dha.

6. Mirkaneessa Seera Qabeessummaa Gabaa

Hojiiwwan ijoon labsiiwwan, dambiiwwanii fi qajeelfamoota sirna gabaa oomishaleef bahan irratti hirmaattota gabaatiif leenjii fi hubannoo kennuu, hojiiwwan to'annoo daldala seeraan alaa fi kontirobaandii akkasumas keellaawwan to'annoon irratti gaggeeffamu hundeessuu fi bulchuu akka raawwatamuu fi sirni to'annoo fi seera qabsiisa gabaa iftoomina qabuu fi hawwaasa hunda fayyadamaa taasisuu naannicha keessatti akka dagaagu gochuudhaan hojiin sirna gabaa hammayyaa'ee uummanni naannichaa qabeenya oomishaalee qonnaa irraa akka fayyadamu taasisuu akkasumas bu'uraalee misooma gabaa haala qul-quliina omishaalee qonnaa,Beelladaa fi bu'a Beelladaatiif ooluun babal'isuu/ijaarsiisuu/ fi bulchiinsa iddoo gabaa foyyeesuu irratti xiyyeeffatee kan hojjauu dha.

7. Babal’ inaa fi Bulchiinsa Bu’uuraalee Misooma Gabaa

Bara KGT-II keessatti seera qabeessummaa gabaa mirkaneessuu fi hojii bu’uraalee misooma gabaa babal’isuuf baajeta Mootummaa fi sagantaalee adda addaa (AGP, DRLSP, PCDP) tiin bu’uraalee misooma gabaa adda addaa;- iddoolee gabaa beelladaa sadarkaa 1ffaa fi 2ffaa, iddoolee gabaa oomisha qonnaa hawaasa bal’aa, maanneen kuusaa oomishaalee qonnaa, iddoolee gabaa sad.1ffaa oomishaalee al-ergee, gogaa fi kal’ee haaraa ijaarsisuu fi cimsuu irratti hojiileen bal’aan hojjetamanii jiru.

Bu’aalee babal’achuu bu’uraalee misooma gabaa hawaas-diinagdee naannichaaf argamsiisan yoo ilaallu iddoowwan gabaa duraan turan suphuu fi haaraa akkasumas daandii iddoolee gabaa keessa keessaa ijaaruu, mana fincaanii, qul-qullina oomisha iddoo gabaatti dhiyaatuu fi fayyaa hawaasa daldalaa akkasumas fayyadamaa gabaa keessatti hirmaatuu eeguuf boolla kosiin gogaan itti gatamuu fi gubatu fi bishaan akkaataa amala oomishaalee bakka sanatti daldalamaniin kan guutamu yoo ta’u, kunis hirmaattota gabaaf haala mijataa uumee jira. Haalli gabaa mijataan waan uumameef qaamni bituu fi gurguru kallattiin wal-arguun; walitti hidhaminsa gabaa akka uumamu godhee jira.

Hirmaattonni gabaan baay’inaan waan hirmaataniif fedhii fi dhiyeessiin wal-simuuf haala mijeessa (falmannaa gatiif carraa akka argatan daandii waan saaquuf oomishtoonni gatii oomisha isaani akka murteeffatan) gargaaree jira. Iddoon gabaa haala gosa oomishaan kutaa/qooddiin adda bahee waan beekamuuf qaama to’annoo gaggeessus ta’e, galii sassaabuuf haala mijataa uumee jira. Guyyaa gabaatti haala nageenyaa naannoo gabaa fi to’annoo gabaa gaggeessuun waan gurmaa’ee fi humni kana raawwatus waan ramadameef sodaa hirmaattota gabaa hir’isee jira. (fkn. hirmaattota gabaa qarshii guddaa qabachuun gabaa irratti hirmaatan).

Gabatee2.27: Iddoolee gabaa fi man-kuusaa haaraa oomishaalee qonnaa KGT-II ijaaraman

Agarsiiftuu	Gosa oomishaa	Ka'um 2007	Manii-KGT-II	KGT-II	R.Han KGT-II	(%)
Bu'uraalee gabaa sad.1ffaa oomishaalee al-ergee fi gogaa fi kal'ee dabalaa dhufuu dhibbeentaan (%)	Oomishaalee al-ergee Bunaa, Saliixaa, Boloqqee, Gogaa fi Kal'ee	1,389	4,845	3,456	2,992	61.7
Bu'uraalee gabaa sad.2ffaa dabalaa dhufuu dhibbeentaan (%)	Beellada Dhaabbii	1	20	19	15	75
Bu'uraalee gabaa sad.1ffaa dabalaa dhufuu dhibbeentaan (%)	Beellada Dhaabbii	28	53	25	38	71.7
Bu'uraalee gabaa sad.1ffaa hawaasa bal'aa SGQ'n dabalaa dhufuu dhibbeentaan (%)	Oomishaalee qonnaa	38	61	23	56	91.8
Bu'uraalee gabaa sad.3ffaa dabalaa dhufuu dhibbeentaan (%)	Oomishaalee qonnaa	1	2	1	1	50
Bu'uraalee gabaa sad.1ffaa dabalaa dhufuu dhibbeentaan (%)	Daandii Cinaa(aannan, damma, kuduraa fi muduraa)	4	35	31	32	91.4
Iddoo gabaa bifa haaraan adda bahee fi gurmaa'ee dabalaa dhufuu dhibbeentaan (%)	Beellada Dhaabbii	0	537	537	311	57.9
Iddoo gabaa bifa haaraan adda bahee fi gurmaa'ee dabalaa dhufuu dhibbeentaan (%)	Gogaa fi Kal'ee	0	504	504	256	50.8
Ida'ama	Beellada Dhaabbii fi Gogaa fi Kal'ee	0	1041	1041	567	54.46

Madda: Ejensii Misooma Gabaa Oromiyaa, 2012

Iddoo bu'uraaleen misooma gabaa kun hundaa'anitti galiin mana qopheessaa hanga danda'ametti qixa sirriin akka sassaabamu godhee jira. Yeroo bu'uraaleen gabaa ijaaramanitti namoota oogummaa fi humna isaaniin yeroof qacaramanii hojjetan carraa hojii namoota 4,660 ta'aniif uumee jira. Iddooleen gabaa ijaaraman yeroo hojii irra oolan carraaleen hojii naannoo gabaatti banaman dabalaa jiru (fkn. mana nyaataa fi dhugaatii, dhiyeessii nyaata Beelladaa fi kkf) gochuun faayidaa hawaas-diinagdee naannoo keessatti gumaacha godhee jira.Walumaagalaatti, iddoolee gabaa kana irraa hawaasni hedduun irraa fayyadamaa ta'ee jira.

8. To' annoo fi Seera Qabsiisa Gabaa

Hojiilee seera qabeessummaa gabaa mirkaneessuuf baroota KGT-II keessatti karoorfamanii fi raawwataman keessaa inni ijoo fi adda durummaan hojjetame keessaa tokko seerota sirna gabaa akka guutummaa biyyaattis ta'e haala qabatamaa naannoo keenyaan qophaan irratti leenjii fi hubannoo hooggansaa fi ogeessota caasaalee EMGO sadarkaan jiran, qooda qabdoota gabaa, hirmaattota gabaa fi hawaasa bal'aaf kennuun dhimmicha irratti akkaataa barbaachisummaa isaatiin hubannoo gahaa akka qabaatan taasisuu dha.

Haaluma kanaan, seerota sirna gabaa hammayyeessuuf bahan (Labsii Sirna Gabaa fi To'annoo Qul-qullina Bunaa Bahe, Lakk. 1051/2010, Dambii Sirna Gabaa fi To'annoo qul-qullina Bunaa Bahe, Lakk. 433/2010, Qajeelfama Sirna Gabaa fi To'annoo Qul-qullina Bunaa Bahe, Lakk. 01/2010 fi 02/2012, Dambii Sirna gabaa oomishaalee saliixii fi boloqqee adii bahe, Lakk. 178/2002, Dambii Sirna gabaa oomishaalee dheedhii bahe, Lakk. 377/2008, Qajeelfama Sirna gabaa oomishaalee dheedhii, Lakk.10/2009, Labsii Sirna gabaa beellada dhaabbii Lakk. 819/2006, Dambii Sirna gabaa beellada dhaabbii, Lakk. 341/2007, Qajeelfama Sirna gabaa beellada dhaabbii Lakk. 004/2007, Labsii Sirna gabaa Gogaa fi Kal'ee dheedhii bahe, Lakk. 814/2006, Dambii Sirna gabaa Gogaa fi Kal'ee dheedhii Lakk. 339/2007, Qajeelfama Sirna gabaa Gogaa fi Kal'ee dheedhii Lakk. 005/2007

akkasumas qajeelfamootaa fi maanuwaalota sadarkaa naannootti qophaa'an) hojiin haawaasa barsiisuu fi sirnicha hojii irra oolchuu bal'inaan hojjetamaa turee jira.

Bara 2008 irratti bara karooraa jalqabaa KGT-II ta'uu fi seeronni armaan olitti eeraman hedduun isaanii kan oomisha Bunaan alatti dhuma bara 2006-2008 waan qophaa'anii fi sirriitti akka hojii irra oolu tattaaffiin cimaan godhamaa ture jalqaba bara KGT-II irratti ta'uun wal-qabatee hirmaattota leenjii 44,556 fi hubannoo 494,180 walumaa gala hirmaattota miiliyoona walakkaa oliif kennamuu isaa agarsiisa.

Haaluma wal-fakkaatuun, labsii, dambii fi qajeelfamoonni sirna gabaa Bunaa bara 2010 irrattis bifa haaraan bahuu isaa hordofee bara hojii KGT-II yeroo itti leenjii fi hubannaan hirmaattota hedduu 333,385 ta'aniif itti kenname dha. Bara 2011 garuu, bifa Labsii QRMNO irra deebiin gurmeessuu, aangoo isaanii murteessuuf bahe, labsii lakk.213/2011caasaa haaraa gurmeessuuf sadarkaa hundatti hojjetamaa waan tureef baroota kaaniin wal-bira qabamee yoo ilaalmu raawwiin jiru xiqqaa dha.

Gabatee 2.28 irraa hubachuun akka danda'amutti hojiilee to'aannoo gabaa godhameen oomishaalee dhaalaman irraa galii argame yoo ilaallu bara 2010 qr mil.194 fi 2011 qr mil.193.85 argamee jira. Kunis, raawwii walii galaa KGT-II irraa yoo shallaggamu (%42) kan uwwisu ta'a.

Raawwiin kunis baroota ibsaman lamaan keessatti riifoormii akka biyyaatti dhufeen wal-qabatee gama mootummaanis ta'e karaa hawaasa bal'aan hubannoo argamee fi sosochii daldala seeraan alaa fi kontirobaandii dhabamsiisuuf godhameen kan argame dha jedhamee yaadama.

Gabatee 2.28: Oomishaalee daldala seeran alaa fi kontrobandiin KGT-II keessa to'ataman Qr dhaan.

Lak	Bara	Oomishaalee Qonnaa fi Industirii qabaman irraa galiin argame
1	2008	149,260,649.26
2	2009	179,913,695.56
3	2010	193,991,652.72
4	2011	193,852,460.22
5	2012	210,149,028.41
	Ida'ama	**927,167,486**

Madda: Ejensii Misooma Gabaa Oromiyaa, 2012

Gama biraatiin raawwiilee bara 2008-2011 jiran yoo xiinxalamu; galiin waggaa waggaan to'annoo godhameen oomishaalee dhaalame irraa argame %16-%20 gidduutti kan argamu dha. Kunis, to'annoon yoo jiraate illee kontirobaandiin waggoottan arfan keessattuu haala wal-fakkaatuun itti fufee kan ture ta'uu nu hubachiisa.

Walumaagalatti, guutummaa xiinxalli raawwii waggoottan shanan irraa kallattiin nu argisiisu; daldalli seeraan alaa fi kontirobaandii hir'aachaa dhufu otoo hin taane hojiin to'annoo gaggeessuu fi dhimmicha irratti hubannoo uumuu bara 2012 kan baroota kaanii irraa fooyyee kan qabuu dha. Kanaafuu,hojii karoora bara dhufuu keessatti xiyyeeffannoon qabatanii irratti karoorsuun bifa qindoomina qabuun hojjechuu fi barsiisuu irratti bu'ureeffachuun hojjechuu kan barbaadu ta'uu dha.

2.3.7.Konistiraakshinii

Misooma Konistiraakshinii; hojii reegulatooriin ijaarsa to'aannoo hojii ijaarsa fi gorsa hojii ijaarsa kan dabalatu ta'ee seerota, hojmaataa, sadarkaa fi standardii ta'een qulquul'ina isaa eegee hojiichii akka raawwatamuu taasissuudha.

Sektera induustirii konistiraakshinii keessatti hojiin dokimentoota seerotaa, staandardii ijaarsaa, sirnaa fi hojmaataa qopheessuun hojii irra oolchuun industiricha keessatti ga'umsa, bu'aa qabeessummaa fi faayidaa pirojeektonni ijaarsaa kan akka Daandii, Bishaan dhugaatii, Jallisii fi Gamoowanii argamsiisuu danda'an guddisuun. Haaluma Kanaan, hojiiwwan Qorannoo dokimentoota adda addaa karoorii 45,106 raawwiin 810 (%1.8), mirkaneessa Dizaaynii karoorii 47,544 raawwiin 3,098 (%6.5), sanada caalbasii xinxaluun karoorii 45,116 raawwiin 2,356 (%5.2) fi walharka fuudhinsaa karoorii 3,913 raawwin 887 (%22.6) ta'ee akkaataa karoorfameen kan hin raawwatamnee fi hedduu gad-bu'aadha.

Hojiiwwan Qorannoo dokimentoota adda addaa hojii reegulaatorii konstiraakshii (to'annoo, gorsaa fi qul-qullinaa hojii ijaarsaa sadarkaa isaa eege) mirkaneessuuf kan karoorfame si'a ta'u xiyyeeffannoon hojjetamuu dhabuu irraa kan ka'e ni karoorfame malee haga yaadame hin hojjetamne ykn kan hin raawwanne ta'uusaa. Keessuma rakkooleen ijoon ijaarsa pirojeektota naannoo keenyaa qul-qullinaa fi beekumsaan hojjetamuu dhabuu qorannoo fi dizaaynii ijaarsaati. Kana immoo qoratee kan mirkaneessee hojii irra oolmaasaa kan hordofu, to'atu, madaaalu walumaagalatti jalqabaa haga wal-harkaa fuudhinsaatti kan faana bu'ee raawwachiisuuf aangoon kenname mana hojii kanaaf ture. Garuu, haga irraa eegamee fi akka aangoosaatti waan hedduu kan hirraawwanne ta'uusaa nama agarsiisa.

Akka waliigalaatti manni hojichaa aangoo isaa kenname hubatee itti fayyadamuun itti gaafatamummaa isaa sirriitti waan bahu dadhabee fi to'annoo fi deeggarsa bar-baachisu qama raawwatuuf ykn ogeessaaf taasisuu dhabuu,hordoffii fi to'annoon pirojeektotaa laafaa ta'uu yoo kan immoo sirumaa kan hin jirre ta'uu, daangaa aangoo mana hojii abboota ijaarsaa wajjin wal- makuu(mandet overlap) bal'inaan kan jiru ta'uu fi hojii irraa kaasuu hooggansaa deddeebi'ee mul'achuu fi kkf…raawwiin akka gad-bu'uuf soora cimaa taphatan keessaa isaan ijoodha.

Gama Ijaarsa dandeettii waggoottan shanan darban keessatti ogeeyyiin 25,000 ta'an galmaa'anii waraqaa heyyama hojii yeroo fi dabaree madaallii ittiin eeggatan ni kennama jedhamee KGT-II keessatti kan karoorfame yommuu ta'u raawwiin isaa 135(%0.54) dha. Ogeeyyiin 28,000 ta'an kanneen KGT-I keessa galmaa'an qophaa'an dabalatee galmeen madaallii gahumsa ogummaa akka fudhataniif karoorfame yoo ta'u, rawwiin 5,878 (%21) dha. Warri kaan immoo sadarkaa 1^{ffaa} fi 2^{ffaa} akkasumas sadarkaa 3^{ffaa} irratti madaalamanii gahoomanii fi ulaagaa barbaachisu guutan ogeeyyii madaaltota adda duree 80 horachuun kanneen madaalamanii milkaa'an 24,000 ta'aniif waraqaa mirkaneessaa kennuudhaaf KGT-II keessatti kan karoorfame ture rawwiin isaa 799 (3.3%) qofaatu raawwate. Raawwiin hedduu gad-bu'aadha kanaafuu, afaan guunnee hojiin kun hojjetameera jechuuf nama dhiba, hojii guddaa ijaarsa dandeettii cimsuu fi carraa hojii uumuu irratti bal'inaan hojechuun kan nurraa eegamu ta'uun otoo beekamuu xiyyeeffannoo addaa itti kennamuu dhabuudhaan hojii abbaa hin qabne ta'ee karoorri karoorfamee otoo galma eegame hin milkeessiin hafee jira.

Waldaaleen Misooma Interpiraayzoota Maayikiroo fi Xixiqqaa haala imaammata mootummaan kaa'een gurmaa'uun guddina biyyittii keessatti gumaacha guddaa taasisaa kan jiranidha. Sekterri kun sadarkaa amma irra jiruu olitti gahee isa irraa eegamu bahuu akka danda'uuf hordoffii fi deeggarsa barbaachisu gochuun barbaachisaadha. Haaluma kanaan Waldaalee IMX hojii ijaarsaa irratti bobba'anii gara Induustirii giddugaleessaatti ce'an 2,500 ta'aniif leenjii teeknikaa fi hubannoo uumuudhaaf karoora KGT-II keessatti kan karoorfame yoo ta'u, raawwiin teknikaa 5,140 hubannoo 20,115 hanga xumura KGT-II' walumatti 27,755(%100) raawwatee jira.

Hojii waldaalee IMX babal'isuun gahee qaama hundumaa ta'u illee ATKO hubannoo uumuun hojiitti akka galan gochuu isaa raawwiin gaarii akka ta'u godheera. Amma illee waan hedduun qul-qullinq ijaarsa konistiraakshinii irratti kan hafu waan jiruuf hojiin hordoffii, deeggarsaa fi to'annoo cimee deemu qaba.

Milkaa'inna raawwii kanaaf galtee kan ta'e raawwii isaan kaanif illee itti fayyadamuun raawwii karooraa fooyyeffachuuf osoo irratti xiyyeeffatamee bu'aa gaariin dhufuu kan danda'u ta'a.

Bu'ura qorannoo fedhii invastimentii motummaatin dokumantii qorannoo, dizaaynii fi ispesfikeeshinii pirojeektoota kaappitaala mootummaa sadarkaa sadarkaan qophaa'e dhiyaate akkaataa staandaardii fi maanuwaalii qophii dizaaynii bu'ura godhateen akkasumas gatii madaalawaa (economical), rakkoo hin uumne (safe) fi tajaajila yaadame kennuu kan danda'uu waliigala sanadoota pirojeektota haaraa daandii asfaaltii, cirrachaa,dhagaa koobilii, riqaalee, books kaalvertii fi bo'oo lolaa 1895 magaalotaa fi baadiyaatti hojjetamuuf qoratamanii gama abbootii pirojeektotatiin dhiyaatan xinxaaluun mirkaneessuuf karoorfame waggoota shanan keesstti akka waliigalaatti pirojeektota 5591 (>%100) staandaardii taa'een xinxaluun mirkaneessuun danda'amee jira. Pirojeektonni kunis, mirkaneessa qorannoo fi dizaaynii daandii asfaaltii haaraa 8, raawwiin 45 (>%100), cirrachaa haaraa 46 raawwiin 787 (>%100) fi SWGDB 1675 raawwiin 817 (%48.77) raawwateera.

Waliigala raawwin mirkaneessa Qorannoo fi dizaayinii pirojeektoota daandii haaraa waggoottan shanan keesstti hojjetame gaarii ta'us qulqullinni hojiisaa fi fedhii bu'uraalee misooma akka bal'ina naannoo keenyaatti wal-simsiisaa deemuun bal'inaan iti yaadamuu kan qabudha. Raawwiin dhibbaa ol kan raawwatame yoo ta'u, sababni isaa haala qabatama fedhii pirojeektotaa jiru adda baasanii beekuu dhabuu fi hanqina ragaa ka'uumsa karoora KGT-II iraa kan madde ta'uunsaa hubatameera.

Pirojeektota daandii 6,536 ijarsa isaanii xumursisuun wal-harkaa fuudhiinsa taasisuuf kan karoorfame yoo ta'u raawwiin 3,196 (%48.9) qofa raawwateera. Kana keessaa daandii asfaaltii karoora 8 fi raawwii 3 (%37.5), pirojeektota daandii Baadiyaa karoorri 63 yoo ta'u raawwiin 24 (%38.09), SWGDB haaraa karoora 1675 fi raawwii 56 (%3.34) fi SWGDB buleeyyii karoora 4790 fi raawwii 665 (%13.88) yoo ta'u kanaan ala daandii cirrachaa buleeyyii 434, daandii asfaaltii buleeyyii 7,

Riqaalee buleeyyii 475, Ittisa sigiga lafaa (retaining wall) 13, daandii dhagaa koobilii 621, Books kaalvartii 430 fi Bo'oo lolaa 468 karoora KGT-II keessatti kan hin hammatamne ta'u illee ijaarsi isaanii xumuramee wal-harkaa fudhiinsa rawwachuun hawaasaaf tajaajila kennuu eegalanii jiru.

Kana keessatti raawwiin waliigala galmaa'e gad-aanaa yoo ta'u harkifannaa kanaa fi yeroon xumuramuu dhabuu pirojeektotaaf kontiraaktarri qorannoo fi dizaaynii guutuu qopheessuun hojiitti galuu dhabuu, mirga daandii (ROW), iddoo kaampii fi cirrachaa fi dhagaa (quarry & borrow site) bilisa ta'e kontiraaktara biraan gahuu dhabuu, kaffaltii yeroon gadhiisuu dhabuu,gorsitoonni supperviizyinii cimaa gaggeessuu dhabuu, humna namaa (skill man power) akkaataa waliigalteen bakka hojiitti galchuu dhabuu, fi rakkoo hojiin wal qabatee uumamu yeroon adda baasuun fala itti kennuu fi qaama dhimmi ilaaluuf gabaasaa deemuu dhabuu fi kontiraakteroonni maashinarii fi humna namaa gahaa ta'e akkaataa waligalteen bakka hojiitti dhiyeessuu dhabuu, kabachiisa daangaa sababa godhachuu, hanqinni humna fi kutannoo dhabuun rakkoo gurguddoo adda bahanii fi dabalataan, haala nageenyaatiin dhabamuu tasgabbii biyyaa keessaa fi qala'inssi gabaa sababoota ijoo dha.

Mirkaneessa sanada Qorannoo fi dizaaynii ijaarsa pirojeektota bishaan dhugaatiin rakkoolee qul-qullina dokimentoota qorannoo fi dizaaynii, ijaarsa pirojeektota harkifannaa yeroo jiru karaa furuu danda'uun KGT-II keessa pirojeektota haaraa baadiyaa mirkaneessuu karoorri 950, raawwiin 2,653(>%100) fi magaalotaa karoorri 257, raawwiin 355(%138) kan raawwate yoo ta'u. Sadarkaa ol-guddisuu dokimentii qorannoo fi dizaaynii pirojeektota ijaarsa bishaan dhugaatii baadiyaa karoorri 76,352 raawwiin 625(% 0.8) si'a ta'u karoorri magaalaa 308 raawwiin 48(%15.6) fi pirojeektota ijaarsa buufataalee bishaanii (water point) buleeyyii karoorri 3,420 raawwiin 173(%5.1) qofaan raawwatee jira. Raawwii sadarkaa ol-guddisuu dokimentii qorannoo fi dizaaynii pirojeektota bishaan dhugaatii baadiyaa,

magaalaa fi ijaarsa buufataalee bishaanii (water point) buleeyyii gad-aanaa ta'uuf sababa kan ta'e hanqina ragaa alee ka'uumsa karoora KGT-II iraa kan madde dha.

Dabalataan sekteroonni dhimmi ilaaluu waliin hojjechuu irraatti hanqinni jiraachuu, sanadoota qorannoo fi dizaaynii bishaan dhugaatii dhaabbilee deeggartootaan hojjetaman abbootiin pirojeektotaa ofiin mirkaneessuun hojiitti deemuun jiraachuu, abbootiin pirojeektotaa qorannoo fi dizaayinii guutuu fi qul-qulluu ta'e yeroon qopheessuun dhiyeessuu dhabuu fi karoorri illee haala jiru adda baasuu fi xinxaluun qophaa'uu irratti hanqinni jiraachuu beekameera. Haalota kana irraan kan ka'e raawwiin, jiru galma yaadamee gad ta'uu fi fayyadamummaa uummataa hanga barbaadame kan hin dhugoomsine ta'uunsaa xinxalameera.

Walharkaa fuudhinsa pirojeektota ijaarsa bishaan dhugaatii KGT-II keessa xumuramanii tajaajila uummataaf oolchuuf qabaman; walharkaa fuudhinsa ijaarsa pirojeektota bishaan dhugaatii haaraa baadiyaa karoorri 950 qabamee, raawwiin 474(%49.9) fi karoorri magaalaa 257 qabamee raawwiin 102(%39.7) kan raawwate yoo ta'u, sadarkaa ol-guddisuu walharkaa fuudhinsa ijaarsa pirojeektota bishaan dhugaatii baadiyaa karoorri 76,352 raawwiin 93(%0.1) karoorri magaalaa 308 raawwiin 82(%26.6) fi walharkaa fuudhinsa pirojeektota ijaarsa buufatalee bishaanii buleeyyii karoorri 3,420, raawwiin 92(%2.7) yoo ta'uu Akka waliigalaatti raawwiin walharkaa fuudhinsa gad-aanaa yoo ta'u akkaataa karoorfameen raawwatamuu dhabuu irraa kan ka'e rakkoo harkifannaa fi yeroon xumuramee dhabuu pirojeektotaa,kontiraakteraa, gorsaa, fi abbootii pirojeektota gahee ol-aanaa kan qaban yoo ta'u dabalataan qorannoo fi dizaaynii guutuu qopheessuun hojiitti galuu dhabuu, baajeta gahaa ta'e pirojeektotaaf qabuu dhabuu, maashineeroota barbaachisan guutuun hojiitti galuu dhabuu, haala nageenyaa, fi qaala'iinsi meeshaalee ijaarsaa sababoota jajjaboo dha.

Kun akkuma jirutti ta'ee, ATKO hanqinoota yeroon xumuramuu dhabuu pirojeektoota ilaalchisee to'anoo darbee darbee gaggeefamuun alatti ilaalchaa fi gocha harkifannaa pirojeektootaa kana uuman cabsuun ykn xiqqeessuun

fayyadamummaa uummataa yeroo isaa eegee akka mirkanaa'u taasisuu keessatti qaamoolee sadan abbaa pirojeektota, kontiraaktaraa fi gorsaa walitti fiduun xiyyeefanna kennee irratti mar'achaa furmaata kennuu fi kallattii kaa'aa deemuun hanqina akka qabu ni mul'ata.

Dokimentii qorannoo fi dizaaynii ijaarsa pirojeektota jallisii akka waliigalatti KGT-II keessa hojjetamuuf karoorfame 744, rawwiin waliigalaa 897(%120.6) raawwatee jira. Raawwiin jiru gaarii fi jajjabeessaa ta'u illee qulqullinni ragaa ka'uumsa karoora KGT-II fi hagam uummanni keenya bu'aa jallisii irraa fayyadamaa jira yoo jenne gaaffii keessa kan nama galchuu danda'udha.

Kanneen keessaa dizaayniin pirojeektii jallisii xixiqqaa karoorri 427, raawwiin 809(%100 ol) kan raawwate si'a ta'u, jallisii Gidduugaleessaa karoorri 39 raawwiin 66(%100 ol) fi jallisii Guguddaa karoorri13, raawwii 22(%100 ol) yoo ta'u; akka waliigalatti raawwiin jiru galma qabameen yoo madaallu gaarii ta'uu mul'isa. Haata'u malee bal'inaa fi carraa naannoon keenya toora kanaan qabdun karoorri waggaa shanan darban keessatti raawwatee jiruu fi haalli qabatamaan lafa irra jiru yoo ilaallu amma illee hojii hedduun kan hafu ta'uu agarsiisa.

Abbootii pirojeektii waliin irratti waliigaluun walharkaa fudhiinsa ijaarsa piroojektii jallisii karoora waggaa shanii qabame waliigala 744 keessaa gamagamamee kan qulqullaa'ee mirkanaa'e 328(% 44.1) ta'uudha.

Kanneen keessaa sanada walhaarkaa fudhiinsa ijaarsa pirojeektii jallisii xixiqqaan karoorri 427 mirkaneessuuf raawwiin 257(%60.2) irra jira. pirojeektii jallisii g/g karoorri 39 raawwiin 65(%166.7) fi pirojeektii jallisii Guguddaa karoorri 13 raawwiin 6(%46.2) kan abbootii pirojeektii waliin irratti waliigalamee raawwatame yoo ta'u hojiin hojjetame gaarii ta'us; hojiin raawwatame garuu karoora KGT-II keessatti qabameen gadi yommuu ta'u, harkifannaan pirojeektota bal'aan akka jiru agarsiisa. Kunis akka waliigalaatti walharkaa fuudhinsa pirojeektota Jallisii keessatti raawwiin jiru gadi aanaa yoo ta'u, harkifannaa kanaa fi yeroon xumuramuu dhabuun

walharkaa fuudhinsi pirojeektotaa akkaataa karoorfameen raawwatamuu dhabuu agarsiisa.

Sanada qoranno fi dizaaynii Gamoo Mootummaa qul-qullinaan mirkaneessuuf kan karoorfame 6,500 keessaa kan raawwate 7,363(%100 ol) raawwatee jira. Raawwiin gaarii ta'us, karoorri haala qabatama naannoo fi fedhii hawwaasaa adda baasuu dhabuu fi hanqina ragaa alee ka'uumsa karoora KGT-II ta'uun hubatamee jira.

Haaluma Wal-fakkaatuun Gamoon mit-Mootummaa hundinuu qorannoo addaa Gorsitootaan gaggeefame irratti hundaa'uun gamaaggama dizaaynii gaggeefamaa fi hayyaama ijaarsaas kennamaa kan jiruu fi qulqulleessa ragaa qabiyyee fi walsimsiisa pilaanii waliigaltee pilaanii Gamoowwan ramaddii A, B fi C jiraniif KGT-II keessa gamoo mit-mootummaa raawwachuuf karoorfame 7,200 yoo ta'u raawwiin 71,955 (%100 ol) raawwatee jira. Raawwiin ol-ka'us, karoora ragaa sirriiirratti hundaa'e ka'uumsaa godhachuun qindeessuun karoorsuu dhabuu iraa kan ka'e karoora humnaa gad karoorfachuutu sababa ijoo ta'uu mul'isa.

Pirojeektota baajeta Mootummaatiin ijaaraman baay'een isaanii yeroo, baajetaa fi sadarkaa qul-qullina kaa'ameef keessatti Xumuruun tajaajila barbaadameef oolu irratti hanqina qabu. Baajetaa fi yeroon dabalamaa yoo deemuu qulqullinni garu gadi bu'aa deema. Pirojeektota xumursiisuun Wal-harkaa fuudhinsa duraa (Provisional Acceptance) taasisuuf karoorfame 1960 yoo ta'u raawwin isaas 2,646 (100 ol) raawwateera.

2.3.8.Dhaabbilee Misooma Mootummaa

To'annoo Dhaabbilee Misooma Mootummaa Oromiyaa naannicha keessatti Dhabbileen misooma mootummaa hundeeffaman itti dhiyeenyaan akka hoogganuu, to'atu, hordofuu fi humna raawwachiisummaa hojjettootaa fi dhaabbilee misooma mootummaa cimsuuf labsii 163/2003 kan hundeeffame yoo ta'u labsii 181/2005 fooyya'ee baheen aangoo fi gahee hojii kennameefii irratti hundaa'ee dhaabbilee

misooma mootummaa naannichaa itti gaafatamummaan akka gaggeessu aangeffamee jira.

Qorannoo bu'a qabeessummaa dhaabbilee misoomaa fi Qaawwa gabaa duuchuu: Dhaabbilee misoomaa mootummaa fi dhaabbilee barnoota ol'anaa /universities/ gidduutti walitti hiidhamiinsa uumuuf karoorfamee 17 keessaa yunvarsitoota 10(%58.8) wajjin walitti hidhamnsi uumamee jira. Raawwiin giddugaleessa yoo ta'u qorannaa adda addaa dhaabbilee qorannoo gaggeessan waliin ta'uun qaawwa gabaa cufuuf qaama dhimmi kun ilaallatu marti cimee hojjechuun irraa eegama.

Qorannoo sektera ijaarsaa fi tajaajilaa 2 irratti gaggeessuuf karoorfamee, sektera ijaarsaa irratti itti fayyadama maashinarii geggeessuun dokumentiin tokko kan qophaa'ee yoo ta'u, kan sektera tajaajilaa immoo hundeeffama Intarpraayizii dizaaynnii fi To'annoo Hojiiwwan Tiraanispoortii fi Gamoo Oromiyaa gaggeeffame kan jiru yoo ta'u raawwiin 2(% 100) raawwatameera. Haaluma kanaan, raawwiin karooricha galma kan gahe yoo ta'u, karoorri si'a karoorfame hedduu gad- bu'aa ture. Kun immoo xiyyeeffanna dhabuu dhimmamtootaafi hooggansaa ta'uun hubatameera.

Qorannoo fi qo'annoon bu'a qabeessummaa dhaabbolee misoomaa guddisaanii yuunvarsiitii Amboo waliin ta'uun gaggeeffame karoorri dhaabbilee 7 keessa raawwiin 5 (% 71) raawwatee jira. Raawwin gaarii ta'us ammallee hojiin hedduun kan hafu ta'ee, qorannoo fi qo'annoon dhaabbilee barnoota ol-aanoo wajjin hojjechuun bu'aa qabeessummaa dhaabbilee misooma dabala waan t'eef xiyyeeffannaa addaa kan bar-baadu ta'a.

Raawwii Inveestimentii dhaabbilee misoomaa ittiin ogganaman haala qabatama hojii dhaabbilee ijaarsaa fi qonnaatiin dokumantiin qorannoo lama qopheessuuf karoorfamee dookimeentiin tokko (% 50) raawwateera. Yeroo amma kana akka imaammata biyyaattis ta'e akka naannootti misooma inveestmentii sadarkaa hundaatti haala barbaadameen babal'issuun carraa hojii uumuu fi galii biyyitti

guddisuun ciminaan kan irratti hojjetamaa jiru waan ta'eef xiyyeeffannoon hojjetamuu qaba.

Walumaagala, haala dorgommii gabaa yeroo ammaa jiruu fi guddina diinagdee naannichaa miidhuuf qaawwa gabaa uumu yeroo yerootti hordofuun qorannoo dandeettii raawwachiisummaa cimsan, bu'a qabeessummaa dhaabbilee misoomaa dabalanii fi fayyadamummaa uummataa mirkaneessan geggeessuun barbaachisaa ta'ullee raawwiin gama kanaan jiru karoora qabame mata duree qorannoo 15 keessaa raawwiin 10(%67) raawwateera. Gama Kanaan raawwiin fooyyee qabaatus, rakkoowan guddina miisooma irratti hudhaa ta'an karaa irra maksuun qawwa gabaa yeroo ammaa mul'atu duuchuun oomishaalee biyya keessaatiin bakka buusuun sharafa alaa hambbisuun xiyyeeffannaa fi deeggarsa qaama hundaa kan bar-baadudha.

Qorannoo fi Qo'annoo: Karoora guddinaa fi tiraanisformeeshiini akka biyyaatti milkaa'uuf baayyina Pirojeektota Qorannoo fi dizaaynii xumura KGT-I irratti 105 irraa kan ture KGT-II) keessa gara 143 ol-guddisuuf karoorfamee ture keessaa 142(%99) raawwatee jira. Akka ragaa kun mul'isutti raawwiin gaarii ta'u iyyuu, ka'umsa irraa karoorri humnaa gad kan karoorfamedha. Kun immoo akkaataa bal'ina naannoo keenyaatti yoo ilaallu quubsaa waan hin taaneef xiyyeeffannaa qaama dhimmi ilaalu hundaa ta'uu qaba.

Pirojeektota hojii keessa galan kanneen keessaa 128(%89.5) kan ta'an hojiinsaa xumuramee jira. Raawwiin pirojeektota kana sadarkaa gaarii kan jiru yoo ta'u hojiin isaa guutummatti xumuruu irratti hanqinni adda addaa fi yeroon xumuruu dhabuu irratti xiyyeeffannaa kan hin qabne ta'uu agarsiisa. Ibsa dabalata raawwii karoora Pirojeektota gabatee armaan gadii keessatti dhiyaatee jira.

Gabatee 2.29: Raawwii Hojii Qorannoo fi Dizaaynii

TL	Hojiilee Damee hojiin	Manii	2008		2009		2010		2011		2012		2008-2012	
			Kar	Ra	kar	Ra	kar	Ra	kar	Ra	kar	Ra	Ra	%
A	Qorannoo fi Dizaaynii Pirojeektota Hojjetamaa jiru	143	35	22	31	12	32	21	33	38	36	49	142	99
1	Jallisii fi Qoorsa Lafaa	56	10	7	11	2	11	5	14	15	18	28	57	102
2	Dhiyeessaa Bishaan Dhugaatii	29	5	2	8	3	8	6	6	6	6	7	24	83
3	Qorannoo Karoora itti fayyadama Lafaa	5	1	0	1	1	1	0	1	2	1	3	6	120
4	Daandii	22	11	6	4	1	4	1	4	5	4	1	14	64
5	Darbiiwwanii	15	3	4	3	2	4	8	4	6	4	9	29	193
6	Qabeenya Bishaanii	16	5	3	4	3	4	1	4	4	3	1	12	75
B	Qorannoo fi Dizaaynii Pirojeektota Xumuraman	143	35	22	31	12	32	21	33	38	36	35	128	89
1	Jallisii fi Qoorsa Lafaa	56	10	7	11	2	11	5	14	15	18	15	44	79
2	Dhiyeessaa Bishaan Dhugaatii	29	5	2	8	3	8	6	6	6	6	7	24	83
3	Qorannoo Karoora itti fayyadama Lafaa	5	1	0	1	1	1	0	1	2	1	3	6	120
4	Daandii	22	11	6	4	1	4	1	4	5	4	1	14	64
5	Darbiiwwanii	15	3	4	3	2	4	8	4	6	4	8	28	187
6	Qabeenya Bishaanii	16	5	3	4	3	4	1	4	4	3	1	12	75

Madda: Abba Taaytaa To’annoo Dhaabbilee Misooma Mootummaa Oromiyaa, 2012

2.3.9. Barnoota Leenjii fi Teekinika Oogummaa (BLTO)

Biyyi keenya tarree biyyota galii giddugaleessaa gahuuf karaa hundaanuu hojiin hojjetamaa kan jiru yeroo ta'u,ergama guddaa biyyaattiin qabattee kaate kana galmaan gahuuf humni hojjechuu danda'u hunduu gumaacha irraa eegamu yoo bahuu danda'eedha.Humna namaa jiru kana akkuma jirutti hojiitti galchuun bu'aa eegamu fiduu waan hin dandeenyeef humna baratee jirus ta'e, Qotee/Horsiisee bulaan leenjii fudhatee dandeettii isaa gabbifatee ofitti amanamummaa horachuun lammii hojii barbaadu osoo hintaane ofii isaan hojii uumee kallattii kamiinuu dorgomaa ta'uun karaa guddinaa biyyattiin irra jirtu kanaaf shoora irraa barbaadamu akka bahuu gochuun dhimma murteessaa dha.

Haaluma kanaan kolleejjoota barnoota leenjii teekinikaa fi oogummaa mootummaa fi dhuunfaa 217 (Mootummaa 143 fi Dhunfaa 74) turee hanga bara 2012 gara 377 (motummaa 278, dhunfaa 99) guddisuuf karooramee, kolleejjoota 307 (motummaa 175 dhunfaa 132) (%81.4) irraa ga'uun danda'ame jira.Raawwiin kun fooyya'insa kan qabuu ta'us bal'inaa naannoo keenyaa, fedhii oogummaa adda adda barbaadamuu fi istaandardii jiruun yeroo madalamuu qaqqabamaa waan hin taaneef qaawwaa agarsiisee jira.

Girafii 2.23: Simannaa leenjifamtootaa



Madda:Biiroo Barnoota Leenjii Teekinikaa fi Oogummaa, 2012

Giraafii armaan olii irraa hubachuun akkuma danda'amu,Simannaa leenjifamtootaa qorannoo fedhii gabaa hojii fi misooma leenjifamtootaa gaggeessuun leenjii idilee sadarkaa I-V 510,035 irra ture gara 809,351(dh 404675 fi du 404676) ol-guddisuuf karoorfamee, 569,823 (dh 300,117 du 269,706) % 70.4 kan raawwatamee jiru yeroo ta'u, haalli adeemsi isaa waggaa waggaan dabalaa kan deemaa ture fakkaatus karoora qabame bira gahuun hin danda'amne.

Leenjii gaggabaaboo fedhii gabaa irratti hunda'e bara 2007 irratti 900,004 kan ture xumura KGT-II 3,120,654 irraan gahuuf karoorfame 89,455 ta'an simachuun leenjii oogummaa adda addaa gabaan hojii barbaadu kan kennameef yoo ta'u isaaniis gurmaa'uu fi dhuunfaadhan hojiitti bobba'anii kan hojjechaa jiranidha.

Hirmaannaan Leenjistoota dubaraa bara jalqabaa KGT-II (2008 fi 2009) gaarii ta'ee baroottan itti aanan sadanitti garuu raawwiin jiru gadi aanaa ta'uu irraan kan ka'e garaagarummaan karooraa fi raawwii gidduu jiru ballachaa dhufuu isaa ilaaluun ni danda'ama. Sababa hanga karoorfame raawwachuun dadhabameef qaxarrii irratti hirmannaan dubartootaa jiru laafaa ta'uu, ulaagaa barbaadamuu guutuu dhabuu fi ilaalchi leenjisuummatti dhufuuf dubartoota bira jiru sadarkaa barbaadamuutti kan hin hiikaamne ta'uu isaa hubatameera.

Giraafii 2.24: Hirmaannaa Leenjistoota dubaraa



Raawwii	18	19	19	21	19
Manii	20	23	26	29	25

Madda: Biiroo Barnoota Leenjii Teekinikaa fi Oogummaa, 2012

Leenjifamtoota leenjii xumuranii hojiitti galan, hojiiwwan gurguddoo Dhaabbata BLTO Leenjifamtoonni ergaa simatamanii leenjii oogummaa barbaachisu ergaa argatanii gahoomanii booda hojiitti galuun jiruu fi jireenya isaanii fooyyeessuun guddina biyyittii keessatti shoora isaan irraa eegamu xabachuu qabu.Haaluma kanaan KGT-II raawwiin jiru gabaatee armaan gadiin ibsamee jira.

Giraafii 2.25: Leenjifamtoota hojiitti galan



Madda: Biiroo Barnoota Leenjii Teeiknikaa fi Ogummaa, 2012

Leenjii idileetiin leenjii xumuranii dhimmamtoota waliin qindoomudhaan hojiitti galan %83 irra ture %90 gahuuf kan karoorfame bara jalqabaa (KGT-II 2008-2010) raawwiin karoora caaluun raawwatamaa kan ture yeroo ta'u,raawwiin karoora caaluuf sababa kan ta'e leenjifamtoonni duraan leenji'aa turan karooran ol gurmaa'uun hojiitti galaa wan turanif ta'uu isaa hubachuunn ni danda'ama.Hata'u malee raawwiin bara 20011 irraa eegalee daran gad-bu'ee kan jiru ta'ee akka waliigala %65.4 irra gahee jira.

Uwwisa leenjii walta'insaan wal-qabatee leenjifamtoota idilee %100 raawwachuuf karoorfamee %72 raawwachuun danda'ameera. Sababni raawwiin gad-bu'uu danda'eef Induustiriin leenjii walta'insa irratti hirmaachuu irratti rakkoo ilaalchaa jiraachuu, magaalota hedduu keessatti induustiriin babal'atee waan hin jirreef, kan hirmaachuuf fedhii horatanii humni isaanii gahaa ta'uu dhabuu akka ta'e hubachuun danda'ameera.Kanaaf Walitti hidhaminsa Dhaabbilee leenjii Teekinikaa fi oogummaa fi induustiriiwwan jiran gidduutti cimsuun humna namaa leenji'ee gahumsa qabu hojiitti galchuun diinagdee biyyaa keenyaa keessatti shoora irraa barbaadamu akka bahuu danda'uu gochuun guddina ariifataa biyyi ykn naanoo

keenya galmeesisa jirtu keessatti qooda irraa eegamu bahachuu akka danda'an taasisuun barbaachisaadha.

Sababiiwwan humna nama, mashiinotaa fi meeshalee leenjii, baajeta barbaachisaa ta`e dhabuu irraan kan ka'e, Kolleejjota 18 ta'an gara Istaandaardii barbaadamutti Pooliiteekinikiitti (ISO) fiduuf karoorfamee raawwiin dhibamuun hanqina mul'atan keessaa isa tokkoodha.

Imaammata Leenjii teekinikaa fi Oogummaa biyya keenyaa bu'ureefachuun kolleejjonni leenjii Induustiriiwwanii fi IMX naannoo isaaniitti argaman waliin ta'uu leenjii walta'insaa kennuun qul-qullinaa fi gahumsa leenjii mirkaneessuuf hojjechuu qabu haala kanaa bara KGT-II hojii hojjetamaa ture raawwii isaa haala armaan gadiin ibsuuf yaalameera.

Kolleejjoon BLTO qul-qulinaa fi gahumsaa leenjii keennaa jiranii eegsisuuf Induustiriwwanii fi IMX gahumsa qaban beekamtii keennuun leenjii walta'insaa waliin gaggeessuun kan jiru ta'ee, bayyina Induustiriiwwanii fi IMX beekamtii qabatanii leenjii walta'insaa keennaan bara 2007 5,376 (IMX 4,838, Industrii 538) turaan hanga bara 2012 16,743 (IMX 10,468, Induustirii 6,275) ol-guddisuuf karoorfamee 11,793n (%70.44) (IMX 7,373, Induustirii 4,420) raawwachuun danda'ameera. Kun kan agarsiisuu kolleejjoon leenjii Induustiriiwwanii fi IMX naannoo isaanii jiran waliin hojjiin hojjechaa jiran gadd-bu'aa ta'ee argameera.

Giraafii 2.26: Induustiriiwwanii fi IMX Leenjii walta'insaaf beekamtii argatan



Madda: Biiroo Barnoota Leenjii Teekinikaa fi Oogummaa, 2012

Qotee /Horsiisee bulaa qaawwa Oogummaa isaanii guutuun MGO 102,892 kennamee ture gara 2,117,582 gahuuf karoorfame, 196,927 (%9) 990,314 fudhatan keessaa 66,128 (% 6.7) MGO gahoomuu danda'aniiru. Raawwiin kan gad-bu'uu danda'eef qindoominni BBLTO, EMGO fi sektera qonnaa giduu jiru hanga barbaadame waan hin taaneefi dha.

Gabatee 2.30: IMX Deeggarsa guutuu Tajaajila Eksiteenshinii Induustirii (TEI) argatan

	Haaraa		Buleeyyii	
Bara	Kar	Raw	Kar	Raw
2008	41,123	48,579	93,466	81,011
2009	49,858	40,176	109,222	74,978
2010	44,340	33,651	101,302	71,022
2011	49,236	40,992	112,692	73,900
2012	7,468	9,950	17,424	17,254

Madda: Biiroo Barnoota Leenjii Teekinikaa fi Oogummaa, 2012

Gabatee armaan olii irraa hubachuun akkuma danda'amuutti, Deeggarsa Tajaajila Eksiteenshinii Induustirii (TEI) kenname irratti sochoostoota IMX deeggarsa argatanii madaallii gahumsa oogummaan (MGO) madaalsisuuf 30,735 irra ture 1,149,660 irra gahuuf karoorfamee sochooftoota 47,837 raawwiin gad-bu'aadha. Kanaaf sababa ta'uu danda'a jedhamee kan ilaalamu sochooftonni IMX hedduun isaanii MGO fudhachuuf fedhii dhabuu akkum jirutti ta'ee,hordoffii fi deeggarsi taasifamaa jirus laafaa ta'uu isaa kan agarsiisu waan ta'eef xiyyefaannaan irratti hojjechuu kan gaafatu ta'a.

Giraafii 2.27. Leenjistoota Sadarkaa A, B fi C humna teknoolojii %100 waraabuu



Madda: Biiroo Barnoota Leenjii Teekinikaa fi Oogummaa, 2012

Giraafii armaan olii irraa hubachuun akkuma danda'amu, leenjistoonni teknoolojii gabaan barbaadu waraabuu, kuusuu, ceesisuu fi waldaalee IMX bu'ura induustirii fi dorgommaa ta'an karaa guutuu ta'een deeggaruun gahoomsuu keessatti gaheen leenjisaan qabu akka salphaatti kan ilaalamu miti.

Kanaafuu, Leenjistoota Sad (A, B, fi C) humna teknoolojii %100 waraabuu danda'an 1,118 irra turee xumura KGT-II gara 15,403 (dhi 11,351 dub 4,052) ol-guddisuuf karoorfamee 3,956 (dhi 3,146 dub 810) %25.6 raawwachuun akka waliigalaatti %65 irra gahee jira. Hojii gama kanaan raawwatame gad-aanaa yoo ta'u kanaaf sababa kanneen ta'an keessaa, leenjistoota akka naannoo keenya keessa jiran keessa irra caalan isaanii sadarkaa C ta'uu, kanneen hafaan sadarkaa A fi B fedhii fi hanqinni dandeetti bakka tokko tokkootti jiraachuu, teknoolojiin hojjetamuus guddinaa sadarkaa qofa kan hojjetamu ta'uu, qul-qullinni isaa haala gabaa barbaaduun dorgomaa ta'uu dhabuu, akkasumaas bu'urri jiruu fi jireenyaa hawaas- diinagdee uummataa keenyaa kan hin jijjiirree ta'uu isaa hubatamee jira.

IMX leenjii keessa darbanii hojii adda addaa keessa jiran yeroo gara yerootti sadarkaa isaanii fooyyeffachaa teknoolojii wajjin wal-baranii ittiin hojjechuu irra darbanii teknoolojii warabuun ofii isaanii irra darbanii qaama birootiif madda teknoolojii ta'uun irraa eegama. Haaluma kanaan waggoottan shanan darban kanattis IMX sadarkaa teknoolojii waraabuu irra gahanii jiran gamaaggama kanaan ilaalamaniiru.

KGT-II keesaatti waldaaleen IMX teknoolojii waraabuu (Fabrication) irratti ga'an 1,118 irra ture 39, 878 irraan gahuuf karoorfamee waldaaleen IMX 5,108 (%13) qofa raawwachuun danda'ameera. Sababiin raawwiin isaa gad-bu'eef waldaaleen IMX Teknoolojii waraabuu irratti waan hin gahoomnee fi xiyyeeffannaan itti kennamee irratti hojjetamuu dhabuudha.

Giraafii 2.28: Ce’umsa teekinoloojii



Madda: Eejensii Madaallii Ga’umsa Ogummaa Oromiyaa, 2012

Giraafii armaan olii irraa haaluma mul’atuun Leenjistoota haadhootii Teknoolojii waraabamee ce’e gosaan 1,747 irra gahuuf karoorfamee xumura KGT-II keessatti 1,487 (%85) irra gahuu danda’eera bifuma wal-fakkaatuun Teknoolojii bu’a qabeessummaan isaa mirkanaa’e sadarkaa hundaatti teknoolojii ce’an 530 irra ture 4,705 dhaabbilee leenjii keessatti 100% waraabuun IMX Ceesisuuf kan karoofame yoo ta’u hanga dhuma KGT-II teknoolojii 4,939 ta’an waldaalee IMX Ceesisuun danda’ameera.Teknoolojiin kun dhibbantaa armaan olitti ibsameen gara wadaalee IMX haa ce’u malee waldaaleen IMX teknoolojiin itti ce’e kun akkaataa barbaadameen rakkoo IMX furuun haawaasa naannoo fayyadamaa taasisuu irratti hanga barbaadame bu’aa kan hin finne ta’uu isaa hubachuun danda’ameera. Sababiin isaas: Qaamni teknoolojii filatu, waraabuu fi madaqsuu ofii isaatiif qaawwa oogummaa qabaachuu isaa, teknoolojii hawaasa naannoo kan fayyadu osoo hin ta’in ulaagaa sadarkaa guddinaa itti guuttachuu qofaaf kan itti hojjetamaa ture ta’usaa fi qaamni teknoolojiin itti ce’u (Waldaalee IMX) teknoolojii kana fudhatanii baay’isuun hawaasa naannoo isaaniif dabarsuu irratti hanqinni waan tureef dha.

Giraafii 2.29: Wirtuulee Madaallii Induustirii keessa horataman

Madda: Ejensii Madaallii Gahoomsa Oogummaa Oromiyaa, 2012

Giraafiin armaan olii akkuma agarsiisutti,Leenjifamtoota sagantaa idileetiin leenjii gulantaa gulantaan itti fufan gahumsi isaanii MGO mirkanaa'e bara 2007 239,692 ture, bara 2012 (dh 432,802 du 432,801) w/g 865,603 raawwachuuf karoorfamee ture keessaa 877,344 raawwatameera, bifuma wal-fakkaatuun Leenjifamtoota sagantaa leenjii gaggabaabootiin leenjii xumuranii gahumsi isaanii MGO mirkanaa'e bara 2007 dh 15,375 du 15,375 w/g 30,750 irra kan ture, bara 2012 86,807 kan guddate yeroo ta'u, qindoominni BBLTO fi EMGOO giddu jiru laafaa ta'uu irraan kan ka'e hangi karoorfame raawwachuu hindandanye.

Ogeessota Induustirii sadarkaa bu'uraa fi giddugaleessaa irratti bobba'anii hojjechaa jiran madaalamanii gahumsi isaanii MGO mirkanaa'e bara 2007 dh 21,996 du 21,996 w/g 43,992 ture, bara 2012 dh 199,796 du 199,796 w/g 399,592 guddisuuf karoorfamee ture keessaa raawwiin dh 117,419 du 92,076 w/g 209,495(%52.4) Sababa milkaa'uu dhabeef warri hojii keessa jiran madaalamuuf fedhii waan hin qabneef akkasumas xiyyeeffannoo kennamee jiru laafaa waan ta'eef Sochoostota IMX madaalamanii gahumsi isaanii MGO mirkanaa'e bara 2007 dh 12,550 du 12,550 w/g 25,100 irra kan ture, bara 2012 dh 125,000 du 125,000 w/g 250,000 guddisuuf karoorfamee ture keessaa raawwii 47,837 irra gahee kan jiru si'a ta'u, hordoffii fi deggarsa hojii kanaaf kennamaa jiru laafaa ta'uun karoorri qabamee ture hamma barbaadamu raawwachuu dhabuuf sababa ta'ee mullatee jira.

Giraafii 2.30: Ogeessota Induustirii sadarkaa bu'uraa madaalaman



Madda: Ejensii Madaallii Gahoomsa Oogummaa Oromiyaa, 2012

Akka waliigalaatti leenjii sadarkaa adda addaatti fudhatanii kanneen gahooman yeroo ilaalamu lakkoofsi leenjifamtoota gahoomanii baayyee gad-bu'aa waan ta'eef dhimmi xiyyeeffannoo qaama hundaa kan ilaalu ta'ee argameera.

2.4. Kilaastera Misooma Hawaasummaa

Misoomni hawaasummaa misooma qabeenya ilmaan namaati. Misoomni hawaasummaa jireenyi tokkoon tokkoon hawaasaa fooyya‘ee fedhiin hawaasa hundaa guutamaa yoo deeme kan jedhamus kanaafii dha. Misoomni hawaasummaa qabeenya jiru barnoota, fayyaa fi misooma wabummaa hawaasaaf kan oolchuu fi adeemsa jijjiirama hawaasni jireenya duubatti hafaa irraa gara ammayyummaa qabeenyaa fi dandeettii ofiin akka misoomuu dandeessisuu dha.

Misoomni hawaasummaa uummanni itti fufinsaan akka guddatu, kabaja namoomaa qabuun guddina hawaas- diinagdee irraa uummanni hundi fayyadamaa akka ta‘u aangessuu fi waan isaa malu caroomsuu bira darbee carraa wal-qixxee hawaasummaa keessatti kan kennuu dha (AmartyaSen, 1995-social development is social opportunity in society‖).

Kanaaf, guddinni misooma hawaasummaa akka naannoo keenyatti bara karoora guddinaaf tiraansifoormeeshinii lammaffaa keessatti haala kamiin guddina misooma keessatti qooda akkamii gumaachaa akka tureef misoomni hawaasummaa maal akka fakkaatu ilaaluun ka‘uumsa karoora itti aanuuf akkasumas rakkoolee jiran adda baasuun yaadaa fi faloota ta‘uu danda‘an kaa’uun barbaachisaa dha. Misooma hawaasummaa guddina diinagdee gooroo(macro economy) keessatti woggoottan dabarsine KGT-II keessatti tajaajilli irra gahee % 18.85 GDP keessaa yoo qabatu kunis misoomni hawaasummaa akkaawuntii diinagdee keesatti gahee ol-aanaan qabaachaa turee jira.

2.4.1. Misooma Barnootaa

Imaammata barnootaa akka biyyaattis ta'e akka naannoo keenyaatti jiru carraa barnootaa fi leenjii qul-qullina qabu waliin ga’uun lammii beekumsaa fi oogummaa gonfatee misooma hawaasummaa, dinagdee, siyaasaa fi bulchiinsa sirna diimookiraasii diriirsuu keessatti shoora ol-aanaa qaba. Ergama kana galmaan

gahuuf barnoonni meeshaa sammuu namaa misoomsu, oogummaa gonfachiisuu fi teknoolojii ammayyaatti fayyadamuun misooma ariifachiisuun hiyyummaa hir'isuu keessatti gahee guddaa kan taphatudha. Bu'uruma kanaan, carra barnoota wal-gitinsa qabu diriirsuu, ga'umsa keessoo barnootaa guddisuu, qul-qullina barnootaa mirkaneessuu, barnoota al-idilee fi misooma hawaasaa cimsuu fi bulchiinsa barnootaa ga'umsaa fi bu'aa qabeessaa taasisuuf bara KGT-II kana keessa hojjetamaa turee jira.

1. Carraa fi Wal-Gitinsa Barnootaa

Mootummaan Naannoo Oromiyaa karoora KGT-II keessatti carraa barnootaa naannichaa babal'isuun daa'imman umriin barnootaaf qaqqabe hundi carraa barnootaa akka argatan taasisuu, walgitinsa carraa barnootaa mirkaneessuu, qul-qullinaa fi gahumsa barnootaa fooyyeessuuf hojjetamaa turee jira.

A. Babal' ina Dhaabbilee Barnootaa

Hirmaannaa haqa qabeessuummaa fi qaqabummaa barnoota idlee dura mirkaneessuuf dhaabbilee barnoota idilee duraa mootummaa fi mit-mootummaa 2007 11,360 kan ture 2012, 17,673 irraan gahuuf karoorfamee ture keessaa raawwiin 14,128 (%79.94) kan guddatee yoo ta'u; kan sadarkaa 1^{ffaa} (1-8) mootummaa fi mit-mootummaa 2007 13,346 kan ture 2012, 14,865 irraan gahuuf karoorfamee raawwiin gara 14,937 (%100.48) guddatee jira.

Bara baajeta 2012 keessa manneen barnoota sadarkaa 2^{ffaa} fi qophaa'inaa walitti makameen babal'ina dhabbilee barnootaa sadarkaa 2^{ffaa} (9-12) mootummaa fi mit-mootummaa 2007 1,156 kan ture 2012 2,269 irraan gahuuf karoorfamee ture keessaa raawwiin 1,278 (%56.32) irratti argama. Pirojeektota barnootaa 603 yeroo raawwii taa'e keessatti xumuramuu dhabuutiin hanqinaalee daree barnootaa hiikuun kan hin danda'amne ta'uu agarsiisa.

Gabatee 2.31: Dhaabbilee Barnoota Mootummaa fi Mit-Mootummaa Naannoo Oromiyaa

MB		2008		2009		2010		2011		2012		%
	Ka'uma 2007	Kar	Raaw	Kar	Raaw	Kar	Raaw	Kar	Raaw	Kar	Raaw	
Ida’ama	14,502	15,352	15,162	15,909	15,721	16,313	15,987	17,003	16,245	17,134	16,228	94.64
BID	11,360	15,071	13,847	15,649	13,756	16,237	13,110	17,035	13,702	17,673	13,636	79.75
ABE	2,491	3,269		2,926		3,299		3,593				
1-8	13,346	13,982	13,853	14,285	14,309	14,467	14,519	14,904	14,730	14,865	14,937	100.48
9-10	861	1,005	1,011	1,225	1,062	1,400	1,104	1,591	1,137	1,652	1,278	56.32
11-12	295	365	298	398	350	446	364	508	378	617		
KBB	12	12	12	13	12	14	12	15	13	16	13	81.25

Madda: Biiroo Barnoota Oromiyaa, 2012

Bara KGT-II dhaabbilee barnootaa mootummaa fi mit-mootummaa sadarkaa 1ffaa fi 2ffaa hojiin babal'isuu guddaan raawwatameen yeroo ammaa kana baay'inni manneen barnootaa Oromiyaan qabdu gara 16,228 (%94.64) irra gahee jira. Kanaafuu, karoora tarsiimoo keessatti Pirojeektota barnootaa baajenni isaanii gangalataa jiruuf xiyyeeffannaa addaa kennamee xumursiisuun tajaajila hawaasaaf akka kennan gochuu fi ijaarsa haaraa murteessoo ta'an qofa irratti xiyyeeffachuun murteessaa ta'uu agarsiisa.

Gama Kolleejjii Barnoota Barsiisotaa (KBB) tiin bara 2007 12 kan ture 2012, 16 irraan gahuuf karoorfameen ture keessaa raawwiin 13 (%81) raawwatee jira. Bara KGT-II kana keessaa ijaarsa Pirojeektota Kolleejjii barnoota barsiisotaa eegalaman xumursiisuun kollejjoota jiran keessaa tokko filachuun gara yuunversiitiitti guddisuun iddoo itti aadaa, seenaa, Afaanii fi daagagina duudhaaleen Oromoo itti qoratamu taasisuuf karoorfamees milkeessuun kan hin danda'amne ta'u agarsiisa.

B. Hirmaannaa Barattoota Waliigalaa

Daa'imman umriin isaanii barnootaaf qaqqabe hundi carraa barnootaa akka argatan taasisuuf hir maannaa daa'immanii waggaa 4-6 bara 2007, 723,851 (dh 380,367 du 343,484) ture bara 2012 2,543,983 (dh 1,281,478 du 1,262,505) irraan gahuuf karoorfamee keessaa raawwiin daa'imman 1,040,743 (dh 550,496 du 490,247) irra jira.

Reettii hirmaannaa dilboo daa'imman waggaa 4-6 bara 2007, %21.85 kan ture 2012, %80.5 (dh 80 du 81) irraan gahuuf karoorfamee keessaa raawwiin %32.8 (dh 34.3 du 31.3) irratti argamus manii KGT-II milkeessuu hin dandeenye.

Girafii 2.31: Raawwii Hirmaannaa Dilboo Barnoota Idileen Duraa



Madda: Biiroo Barnoota Oromiyaa, 2012

Kana irraa kan ka'e daa'imman %47.7 ta'an carraa barnoota idileen duraa kanaan hammatamuu dhabuu fi manneen barnootaa ala jiraachuu isaaniitiin daa'imman umurii daa'imummaatti jabina qaamaa fi bilchina sammuu yeroo argachuu qaban kana keessatti carraa BID dhabuu, imaammata BID kana guutummaatti hojiirra oolchuu dhabuu fi raawwiin istaandaardii UNCESCO %80 taa'e irraa fagaachuun keenya agarsiisa. Tajaajilli BID itti fufinsaa fi oogummaan deeggaramuu dhabuu, bakka mijataa,qul-qulluu fi bashannansiisaa ta'e daangeffamuu dhabuu, ijoollee idileetti sagantaan barnootaa qophaa'eef akka baratanii fi ijoollee gurguddoo waliin akka baratan taasifameen xinsammuu daa'immanii miidhamaaf saaxilame kana jijjiruuf sirna barnootaa BID qopheessuuf hojii hedduu kan gaafatu ta'a.

Hirmaanaa barattootaa kutaa 1^{ffaa} umurii hundaa bara 2007 1,700,671(dh 910,463 du 790,208) kan ture 2012, 1,293,172 (dh 655,886 du 637,286) irraan gahuuf karoorfamee ture keessaa raawwiin gara 1,879,056 (dh 1,004,656 du 874,400) %140.4 guddatee jira. Simannaa barattootaa kutaa 1^{ffaa} umurii 7, 2007 994,688 (dh 512,535 du 482,153) kan ture 2012, 1,024,282 (dh 518,428 fi du 505,854) irraan gahuuf karoorfamee kan ture keessaa raawwiin 1,094,366 (dh 581,407 du 512,959) % 107 guddatee jira.

Reettii simannaa haaraa dilboo (AIR) kutaa 1^{ffaa} 2007 %147.5 (dh 155.5 du 139.3) kan ture 2012 koorniyaa lachuun %120 gad-buusuuf karoorfamee ture keessaa raawwiin gara %163.9 (dh 173.4 du 154.2) guddate irraa akka hubatamutti daa'imman baay'een umurii itti kutaa 1^{ffaa} galuu qaban irra darbanii mana barumsaa seenaa jiraachuu isaanii agarsiisa.

Giraafii 2.32: Reettii Simannaa Haaraa Dilboo kutaa 1^{ffaa}



Madda: Biiroo Barnoota Oromiyaa, 2012

Reettii simannaa haaraa qul-qulluu (NIR) kutaa 1ffaa 2007 %96.2 (dh 97.8 du 94.6) kan ture 2012 koorniyaa lachuu %100 irraan gahuuf karoorfamee ture keessaa %106.95 (dh 112.6 du 101.3) raawwatamee manii karoorfame bira darbee %6.95 guddina agarsiisee jira. Haa ta'u malee, Reettiin hirmaannaa qul-qulluu irratti Saaynsiin %100 ol-ta'uu akka hin dandeenye lafa ka'a. Kanaafuu, baay'ina barataa umurii kanaa (school age population) fi baay'ina uummataa sirritti beekuu dhabuu irraa maddu waan danda'uuf rakkoo kana hiikuuf qorannoon deeggaruun murteessaa ta'uu agarsiisa.

Giraafii 2.33: Reettii Simannaa Haaraa Qul-qulluu kutaa 1ffaa



	ka'u 2007	2008	2009	2010	2011	2012
kar		96.95	97.75	98.45	99.25	100
raaw	96.20	124.80	113.40	112.25	108.50	106.95

Madda: Biiroo Barnoota Oromiyaa, 2012

Hirmannaa barattootaa kutaa 1-4ffaa umurii hundaa 2007 4,968,728 (dh 2,656,507 du 2,312,221) kan ture 2012 5,268,698 (dh 2,721,740 du 2,546,958) irraan gahuuf karorfamee ture keessaa raawwiin 5,465,171(dh 2,927,878 du 2,537,293) %103.73 yoo ta'u, BBF dabalatee immoo 5,592,757 (dh 2,999,960 du 2,592,797 %106.2 guddatee jira.Hirmaanaa barattootaa kutaa 1-4 umurii 7-10 bara 2007 3,814,906 (dh 1,984,731 fi du 1,830,175) ture 2012 3,995,721(dh 2,021,228 du 1,974,493) irraan gahuuf karoorfamee keessaa raawwiin 4,499,916 (dh 2,401,335 du 2,098,581) %112.62 guddatee jira.

Reettii hirmaannaa dilboo (GER) kutaa 1-4ffaa 2007 %126.1 (dh 133.0 du 118.9) kan ture 2012 %131.4(dh 134.3 du 128.4) irraan gahuuf karoorfamee ture keessaa

%137.20 (dh 145.60 du 128.60) guddatee jira. Raawwii kana irraa akka hubatamutti; daa'imman umriin barnoota kutaa kanaaf hayyameen ala barachaa jiraachuu fi irra deebiin daree bal'inaan jiraachuu agarsiisa. Kanaafuu, rakkoolee kana hiikuuf barataan barnoota isaanii akka addaan hin kunnee hubannoo fi deeggarsa gochuun ittifufinsaan barnoota isaanii akka hordofan taasisuun murteessaadha. Reettii hirmaannaa qul-qulluu (NER) kutaa 1-4^{ffaa} bara 2007 %96.8 (dh 99.4 du 94.1) kan ture 2012 koorniyaan lachuu %100 irraan gahuuf karoorfameen %115(dh 121.8 du 108.3) irraan gahuun karooraan ol- raawwatamee jira.

Giraafii 2.34: Reetii Hirmaannaa Dilboo kutaa 1-4^{ffaa} Baraan



Madda: Biiroo Barnoota Oromiyaa, 2012

Hirmannaa barattootaa kutaa 5-8^{ffaa} umurii hundaa bara 2007 2,029,255 (dh 1,083,720 du 945,535) kan ture 2012 3,215,707 (dh1,714,586 du 1,501,121) irraan gahuuf karoorfamee ture keessaa raawwii 2,763,393 (dh 1,515,087 du 1,248,306) %85.93 raawwatamee yoo ta;uu jira. Hirmannaa barattootaa kutaa 5-8^{ffaa} umurii 11-14 bara 2007 1,603,546 (dh 838,034 du 765,512) ture 2012 3,153,276 (dh 1,667,892 du 1,485,384) gahuuf karoorfamee ture keessaa raawwiin 2,228,863 (dh 1,202,050 du 1,026,813) %70.68 raawwatamee jira.

Reettii hirmaanna dilboo (RHD) kutaa 5-8^{ffaa} 2007 %59.2 (dh 62.6 du 55.8) kan ture 2012, % 83.30 (dh 88.30 dub 78.20) irraan gahuuf karoorfamee keessaa raawwiin %73(dh 79.5 du 66.5) irra gahuun karooraan ol raawwatamee jira. Gama

Reettii hirmaannaa qul-qulluu (RHQ) kutaa 5- 8ffaa bara 2007 %46.8 (dh 48.4 du 45.2) kan ture 2012 %84 (dh 88 du 80) irraan gahuuf karoorfamee ture keessaa raawwiin %59 (dh 63.1 du 54.7) raawwatamus galma yaadame milkeessuu kan hin dandeenye ta'uun daa'imman umurii (11-14) keessatti barnoota isaanii argachuu qaban keessaa %25.1 barnoota osoo hin argatiin hafuu isaanii waan agarsiisuuf maal irraa akka maddee fi sababota isaanii addaan baasuun qoraannoon deeggaramu akka qabu mul'isa.

Giraafii 2.35: Reettii Hirmaannaa Qul-qulluu kutaa 5-8 Baratan



Madda: Biiroo Barnoota Oromiyaa, 2012/

Gama hirmaannaa barattootaa kutaa 1-8ffaa umurii hundaa bara 2007 6,997,983 (dh 3,740,227 du 3,257,756) ture 2012 8,465,746 (dh 4,429,227 du 4,036,519) irraan gahuuf karoorfamee ture keessaa gara 8,356,150 (dh 4,515,047 du 3,841,103) %98.71 raawwatamee jira. Hirmannaa barattootaa kutaa 1-8ffaa umurii 7-14 bara 2007 6,390,534 (dh 3,381,465 fi du 3,009,069) ture 2012 7,747,783 (dh 3,916,560 du 3,831,223) irraan gahuuf karoorfamee ture keessaa 7,635,455 (dh 4,094,069 du 3,541,386) %98.55 raawwatamee jira.

Reettii hirmaannaa dilboo barnootaa sadarkaa 1ffaa Kutaa (1-8) bara 2007 %94.9 (dh 100.3 du 89.5) ture 2012 %108.40 (dh 112.20 du 104.40) irraan gahuuf karoorfame keessaa %107.60 (dh 115.30 du 99.80) raawwatamee jira. Reettii hirmaannaa qul-qulluu (RHQ) barnootaa sadarkaa 1ffaa kutaa (1-8) bara 2007 %86.8 (dh 90.7 fi du 82.7) kan ture 2012 %100 irraan gahuuf karoorfamee ture keessaa gara %99.8 (dhi 106.2 dub 93.3) raawwatamuun manii yaadame milkeessuun danda'amee jira.

Hirmaannaa barattootaa kutaa 9-10 umurii hundaa bara 2007 559,814 (dh 303,389 du 256,425) ture 2012 1,149,268 (dh 610,442 fi du 538,826) irraan gahuuf karoorfamee ture keessaa raawwiin raawwiin 789,587 (dh 446,613 fi du 342,974) %68.70 yoo ta'u; Hirmaannaa barattootaa kutaa 9-10 umurii 15-16 bara 2007 270,654 (dh 134,373 fi du 136,281) kan ture 2012 648,680 (dh 327,415 fi du 321,265) irraan gahuuf karoorfamee ture keessaa raawwiin 382,710 (dh 202,993 du 179,717) %59 raawwatamee jira.

Reettii hirmaannaa dilboo barnootaa sadarkaa 2^{ffaa} (9-10) bara 2007 %36.2 (dhi 39 fi dub 33.5) kan ture 2012 %74 (dh 77 fi du 71) irraan gahuuf karoorfamee ture keessaa raawwiin %42.1(dh 47.2 du 36.8)kan raawwatame yoo ta'u; Reettii hirmaannaa qul-qulluu barnootaa sadarkaa 2^{ffaa} (9-10) bara 2007 %17.5(dh 17.3 du 17.8) ture 2012 koorniyaa lamaan %35 irraan gahuuf karoorfamee ture keessaa raawwiin %20.4 (dhi 21.5 dub 19.3) raawwatamee jira.

Giraafii 2.36: Reettii Hirmaannaa Qul-qulluu Kutaa 9-10^{ffaa}



Gamaaggama raawwii kana irraa; barattoonni gara sadarkaa 2^{ffaa} darbanii barnoota isaanii hordofuu qaban keessaa (RHD %31.9 fi RHQ %20.4) ta'an manneen barnootaan ala jiraachuutiin lammii baratee misooma diinagdee fi hawaasummaa keessatti qabu irratti dhiibbaa qabaachuu agarsiisa.

Gama biraatiin muuxannoolee biyyoota adda addaa hirmaannaa qul-qulluu barattoota sadarkaa 2ffaa (9-10) bu'ura ragaa baankii adunyaa bara 2011/2019 tiin: biyyoota guddatan %99, biyyoota galii ol-aanaa qaban %92, biyyoota galii gad-aanaa giddugaleessaa qaban %81 biyyoota saharaa gadii %64, Gaanaa %91 fi Maalaawii %83 irra akka gahan agarsiisa. Kanaafuu, raaawwii hirmaannaan qul-qulluu barnootaa sadarkaa 2ffaa Naannoo Oromiyaa gad-aanaa ta'e kana gara biyyoota saharaa gadii (%64) fiduudhaaf hojjechuun barbaachisa.

Hirmaannaa barattootaa qophaa'inaa umurii hundaa bara 2007 116,195 (dh 64,757 fi du 51,438) ture 2012 317,832 (dh 164,069 fi du 153,763) irraan gahuuf karoorfamee ture keessaa raawwiin 499,440 (dh 293,468 du 205,972) % 157.14 raawwatam uun isaa sababa 2011 keessaa barattoota kanaan dura carraa barnoota qophaa'inaa argachuuf carraa fi qabxiin isaan daangesse 2012 mootummaan qabxii gadi buusee waan fudhateef raawwiin ol-ka'uu danda'ee jira. Hirmaannaa barattoota qophaa'inaa umurii 17-18 bara 2007 64,388 (dh 33,006 du 31,382) ture 2012 179,267 (dh 90,496 dub 88,771) irra gahuuf karoorfamee ture keessaa raawwiin 231,733 (dh127,143 fi du 104,590) 129.3% irra jira.

Reettii hirmaannaan dilboo barnootaa qophaa'inaa Kutaa (11-12) 2007 %8.1 (dh 9 du 7.2) ture 2012 %17.7 (dh 18.1 du 17.3) irraan gahuuf karoorfameen gara %28.6 (dh 33.4 du 23.8) kan guddate yoo ta'u; Reettii hirmaannaa qul-qulluu (RHQ) qophaa'inaa 2007 %4.5 (dhi 4.6 dub 4.4) kan ture 2012 gara %10(dh 10 du 10) irraan gahuuf karoorfamee ture keessaa raawwiin gara %13.3 (dh14.5 du 12.1) guddatee jira.

Giraafii 2.37: Reettii Hirmaannaa Qul-qulluu Kutaa 11-12 [ffaa]



Madda: Biiroo Barnoota Oromiyaa, 2012

Giraafii kana irraa akka hubatamutti, Reettiin Hirmaannaa Qul-qulluu kutaa 11-12 jiru %3.3 akka guddatuuf sababni ijoon jijjiramuu imaammataa fi kaarkulemii barnootaatiin barattoota kanaan dura carraa barnoota qophaa'inaa argachuuf carraa fi qabxiin isaan daangesse 2012 qabxii gadi buusee fudhateen raawwiin ol-ka'uu danda'ee jira. Haa ta'u malee raawwiin jijjirama haa qabaatu malee istaandardii UNESCO %45 biraan gahuuf hojiin guddaa akka gaafatu mul'isa.

Haala qabatamaa biyyaa fi Naannoon keenya keessa jirtu sansaka dhalootaa sirna barnootaa ittiin bocaa turre hanqinaalee fi rakkoolee turan addaan baasuun qorannoodhaan deeggaruuf 2011 Qorannoon mataduree "Madda Rakkoo Naamusa Barattoota Manneen Barnoota Sadarkaa 2[ffaa] fi Qophaa'ina Oromiyaa fi Dhiibbaa inni Firii Barnoota Isaanii Irratti Qabu" jedhu irratti BBO gaggeeffamee tureen madda rakkoo naamusa barattoota ijoo ta'anii adda bahan:

- Barattoonni barumsaaf fedhii dhabuu, kaayyoo fi mul'ata egeree dhabuu agarissia.
- Manneen barnootaa qaamolee hawaasaa (barattoota, barsiisota, maatii barattootaa, qaamolee bulchiinsaa, abbootii gadaa fi abbootii amantaa) hirmaachisuuf xiyyeeffannaa kennuu dhabuu,

- Sirna barnootaa, hanqina kitaabolee jiraachuu fi barumsi kennamu fedhii barattootaa wajjin wal-simuu dhabuu,
- Barsiisonni gosa barnoota barsiisan irratti gahumsa dhabuun akka madda rakkoo naamusa barattootaa isa ol-aanaa ta'etti barattonni hedduun ibsanii jiru.

Qorannoon kun dhaabbilee barnootaa keessatti (school factors) malee qaamolee fi dhimmoota alaa (external factors) kan hin hammanne yoo ta'u, gamaaggama hojii barnootaa dhimmamtoota waliin yeroo yeroon gaggeeffamuun aadaan waliin jiraachuu fi waldanda'uu hordoftoota amantaa addaa addaa quucaraa dhufuun 'secularism' imaammata barnootaan tumames gaaffii keessa galuun rakkoo ijoo ta'ee ni mula'ata.

Gama biraatiin qooda Oromiyaan hirmaannaa barattootaa sadarkaa biyyooleessaatti qabdu %40 ol- ta'uun kufaatiis ta'e milkaa'inni barattoota naannoo keenyaa raawwii sadarkaa biyyoolessaa irratti gumaachas ta'e dhiibbaa waan qabuuf karoora tarsiimoo keessatti hirmaannaa sadarkaa 1^{ffaa} cimsuu fi kan sadarkaa 2^{ffaa} guddatuuf hirmaannaan qamoolee hawaasaa fi qooda fudhattootaa murteessa ta'a.

C. Hirmaannaa Barattoota Aanaalee Horsiisee Bulaa

Misooma barnoota walgitinsa qabu aanaalee horsiisee bulaa keessatti babal'isuun hawaasni horsiisee bulaa fayyadamaa taasisuuf raawwiin misooma barnootaa haala armaan gaditti gamaaggamamee jira.

Reettii simannaa haaraa dilboo (AIR) kutaa 1^{ffaa} 2007 %149.9 (dh 165.6 du 133.2) ture 2012 %162.5 (dh 160 du 165) irraan gahuuf karoorfameen gara %199 (dh 215.83 du 181.51) raawwatamee jira. Reettii simannaa haaraa qul-qulluu (NIR) bara 2007 %89 (dh 97.4 du 80.1) ture 2012 koorniyaa lamaan %100 irraan gahuuf karoorfameen %105.9 (dh115.40 du 96.15) raawwatameen manii karoorfame ture keessaa raawwiin %5.78 guddina agarsiisee jira. Guddinni raawwii RHQ kutaa 1^{ffaa} aanaalee horsiisee bulaa fi aanaalee baddaa keessatti wal-fakkaataa waan

ta'eef akkamitti %100 akka ta'e sababoota isaanii qorachuun karoora tarsiimoo keessatti fala akka argatu gochuun barbaachisadha.

Reettii hirmaannaa dilboo (GER) sadarkaa 1ffaa (1-4) barattoota aanaalee horsiisee bulaa 2007 %126.2 (dh 142.6 du 108.9) kan ture 2012 %177.82 (dh 183.1 du 172.5) irraan gahuuf karoorfamee ture keessaa raawwiin 158.4 (dh 173.9 du 142.9) irratti argama. Reettii hirmaannaa qul-qulluu (NER) 2007 %85.8 (dh 90.4 du 81) kan ture 2012 %100 (dh 100 du 100) irraan gahuuf karoorfame keessaa raawwiin %116.5(dh 126.5 du 105.8) raawwatamuun manii karoorfame irraa %16.5 ol-guddina galmeessee jira. Raawwii kana irraa akka hubatamutti Reettiin hirmaannaa qul-qulluu aanaalee horsisee bulaa %100 ol kan ta'an hanqinni ragaa qul-qulluu fi waayitaawaa dhabuu fi ragaa 'CSA' waliin garaagarummaa jiru hiikuuf qorannoon deeggaruun fala waaraa kaa'uun murteessaa ta'uu agarsiisa.

Reettii hirmaannaa dilboo (GER) sadarkaa 1ffaa (5-8) aanaalee horsiisee bulaa 2007 %35.6 (dh 43.1 du 27.8) kan ture 2012 %64.6 (dh 75.6 du 53) irraan gahuuf karoorfamee ture keessaa raawwiin gara %58.54 (dh 71.18 du 45.9) guddatee jira. Reettii hirmaannaa qul-qulluu (NER) 2007 %26.2 (dh 30.9 du 21.3) ture 2012 %85 (dhi 85 dub 85) irraan gahuuf karoorfamee ture keessaa raawwiin %41.44 (dh 49.14 du 33.73) irra jira. Kunis raawwiin jiru KGT-I irraa jijjiramni jiraatuus manii yaadame milkeessuu hin dandeenye.

Hirmaannaa dilboo (GER) sadarkaa 1ffaa (1-8) 2007 %85 (dh 97.3 du 72) kan ture 2012 %132.8 (dh 142.8 du 122.2) irraan gahuuf karoorfamee ture keessaa raawwiin %110.85 (dh 124.7 du 97.0) raawwatee jira. Gama Reettii hirmaannaa qul-qulluu (NER) 2007 %76.5 (dh 84.8 du 67.7) kan ture 2012 %99 (dh 99 du 99) irraan gahuuf karoorfamee ture keessaa raawwiin %99.95 (dh 110.9 du 89.0) raawwatamuun manii taa'e milkeessee jira.

Giraafii 2.38:Reetii Hirmaannaa Dilboo Aanaalee H/ Bulaa kutaa1-8ffaa



	ka'u 2007	2008	2009	2010	2011	2012
kar		97.58	101.68	109.04	119.34	132.81
raaw	84.98	103.50	99.30	97.55	105.80	110.85

Madda: Gabaasa BBO bara 2012

Reettii hirmaannaa dilboo (GER) sadarkaa 2ffaa (9-10) 2007 %14.8 (dh 17.6 du 11.9) kan ture 2012 %33.6 (dh 40.8 du 26.0) irraan gahuuf karoorfameen raawwiin % 26.42(dh 33.73 du 19.10) irratti argama.

Giraafii 2.39: Reettii Hirmaannaa Dilboo Aanaalee Horsiisee Bulaa kutaa 9-10ffaa



	ka'u 2007	2008	2009	2010	2011	2012
kar		18.17	19.6	21.29	26.01	33.58
raaw	15	17.6	19.39	20.99	42.8	26.42

Madda: Biiroo Barnoota Oromiyaa, 2012

Reettii hirmaannaa qul-qulluu (NER) 2007 %6.03 (dh 6.21 du 5.84) kan ture 2012 %20(dh 20 du 20) irraan gahuuf karoorfamee ture keessaa raawwiin %9.91 (dh11.49 du 8.32) irratti argama. Raawwiin (HRD fi RHQ) aanaalee horsisee bulaa sadarkaa 2ffaa raawwii KGT-I irraa fooyya'insa qabaatus manii karoorfame milkeessuu hin dandeenye.

Reettii hirmaannaa dilboo (GER) barnoota qophaa'inaa (11-12) aanaalee horsiisee bulaa 2007 %2.9 (dh 3.8 du 1.9) kan ture 2012 %7.4 (dh 9.2 du 5.6) irraan gahuuf karoorfamee ture keessaa raawwiin gara %19.03 (dh 25.23 du 12.83) ol-guddatee jira. Reettii hirmaannaa qul-qulluu (NER) 2007 %1.4 (dh 1.6 du 1.2) ture 2012 %7 (dh 7 du 7) irraan gahuuf karoorfamee ture keessaa raawwiin %6.12 (dh 7.52 du 4.72) milkaa'ina agarsiisee jira.

Giraafii 2.40: Raawwii Hirmaannaa Qul-qulluu Aanaalee Horsiisee Bulaa



Madda: Büroo Barnoota Oromiyaa, 2012

Walumaa galatti, hirmaannaan qul-qulluu barattoota Naannoo horsiisee bulaa akkuma hirmaannaa naannichaa sadarkaa 1ffaa wal-faakkata. Hirmaannaan sadarkaa 2ffaa %9.91 fi qophaa'ina keessatti immoo gara %6.12 waan dhufeef maaliif raawwiin hirmaannaa waliigala sadarkaa2ffaa aanaalee horsiisee bulaa fi Naannoo Oromiyaa milkeessuun dadhabamee? Sababoota ka'umsa ta'an qorachuu fi imaammata barnootaa rakkoo hiikuu danda'u qopheessuun barbaachisaa dha.

D. **Hirmaanna Barnoota Fedhii Addaa**

Hirmaannaa barattoota barnoota fedhii addaa qaban kutaa (1-8) 2007 28,451 (dh 16,980 dub 11,471) kan ture 2012, 110,406 (dh 55,811 du 54,595) irraan gahuuf karoorfame keessaa raawwiin 76,869 (dh 45,418 fi du 31,451) % 69.62 irra jira. Hirmaannaa dilboo daa'imman barnoota fedhii addaa sadarkaa 1ffaa (1-8) 2007

%20.3 (dh 24.0 du 16.6) ture 2012 koorniyaa lamaanuu gara %45.6 irraan gahuuf karoorfame giddugaleessaan %6 gad-bu'uun raawwii KGT-I irraa %14.3 hir'isuu isaa agarsiisa. Kanaafuu, garaagarummaa guddaa barattoota fedhii addaa keessatti mudate kana dhiphisuun karoora tarsiimoo keessatti dhaqqabamaa taasisuuf hojii guddaan kan eeggatu ta'uu mul'isa.

Hirmaannaa barattoota kutaa (9-10) 2007 2,092 (dh 1,235 du 857) ture 2012 15,846 (dh 7,998 du 7,848) irraan gahuuf karoorfame keessaa raawwiin isaa 3,927 (dh 2,481 du 1,446) % 24.78 irratti argama. Hirmaannaa dilboo ijoollee barnoota fedhii addaa sadarkaa 2^{ffaa} (9-10) 2007 %7.1 (dh 8.3 du 5.9)kan ture 2012 %17.5 (dh 17.5 du 17.5) irraan gahuuf karoorfame keessaa %0.50 (dh 0.60 du 0.40) kan raawwatame jira.

Hirmaannaa barattoota kutaa 11-12 2007, 305 (dh 206 du 99) kan ture 2012 15,327(dh 7,737 du 7,590) irraan gahuuf karoorfame keessaa raawwiin 1,696 (dh 1,052 fi du 644)% 11.07 irra jira. Reettii hirmaannaa dilboo qophaa'inaa (11-12) 2007, %4.4 (dh 1.5 du 7.3) kan ture 2012 %10 (dh 10 du 10) irraan gahuuf karoorfamee ture keessaa raawwiin %0.34 (dh 0.36 du 0.31) qofti milkaa'ee jira.

Bu'uruma kanaan, barnoonni fedhii addaa fi sirni isaa kufaatii guddaa keessa jiraachuu isaatiin daa'imman fedhii addaa qaban (qaama miidhamtoota) ta'an carraa barnootaa argatanii jiruu fi jireenya isaanii fooyyeffachuun guddina biyyaa keessatti gahee akka qabaatan taasisuun hin dandeenye. Kanaafuu, karoora tarsiimoo dhufu keessatti barnoota fedhii addaaf xiyyeeffanaan addaa kennamee imaammata barnoota fedhii addaa haaraa qopheessuun diriirsuu, abbummaa akka qabaatu gochuu, humna namaa fi leeccalloo ramaduun hirmaannaa fi fayyadamummaa isaanii misooma diinagdee fi hawaasummaa keessatti akka mirkanaa'u taasisuun barbaachisaa dha.

E. Barnoota Al-Idilee fi Misooma Hawaasaa: Barnoota Gaheessotaa Qindaawaa Gocharratti Xiyyeeffate

Dargaggootaa fi gaheessoota carraa barnootaa argatanii dandeettii barreessuu fi dubbisuu horatan 2007 2,919,870 (dh 1,680,390 du 1,239,480) kan ture 2012 waggaa 1^{ffaa} fi 2^{ffaa} gara 10,650,701(dh 3,144,355 du 7,506,346) irraan gahuuf karoorfame raawwiin 4,170,102 (dh 1,978,274 du 2,191,828) %39.15 dandeettii, dubbisuu, barreessuu fi shallaguu isaanii fooyyeeffatanii jiru.

Walumaa galatti raawwiin BGQGX gad-aanaa ta'uu fi barnoonni kennamaa tures jiruu fi jireenya gaheessotaan irrattixiyyeeffachuu dhabuu (qonna, fayyaa, haala jireenya isaanii…kkf), dubbisuu fi barreessuu qofa irratti xiyyeeffachuu, ragaan amanamaa fi qul-qulluu ta'uu dhabuu, leecalloon guutamuu dhabuu fi qaama abbuummaan hogganu dhabuun rakkoolee isaani ijoodha.

Gama biraatiin, akka waliigalattii uummata naannichaa umurii 15-60 keessa jiran keessaa barreessuu, dubbisuu fi shallaguu hin dandeenye (illiterate) bara 2010tti %53 (Nationa Bank of Ethiopua, 2018) ta'u ni agarsiisa. Kanaafuu, BGQGX milkeessuuf xiyyeeffannaa qaama hundaa ta'ee karoora tarsiimoo keessatti haawasa barreessuu, dubbisuu, shallagguu fi Teknoolojii ammayyaa fayyadamaa ta'ee jiruu fi jireenya isaa gaggeessuu danda'u horaachuun murteessa ta'uu agarsiisa.

F. Walgitinsa Barnootaa (Parity Index)

Walgitinsa barnootaa keessatti mul'istootaa ijoo kanneen akka walgitinsa barnootaa koorniyaa (dhiiraa fi dubara), garaagarummaa hirmaannaa barnoota iddoowwan gidduutti mul'atu (Naannoo, Horsiisee bulaa, baadiyaa fi magaalaa fi kkf), hirmaannaa dubartoota barsisotaan, hoggansa barnootaan, KBB keessaatti leenjistootaa fi kaadhimamtoota keessa jiranii fi barnoota fedhii addaa qaban gidduutti fayyadamoo taasisu dha.

G. Walgitiinsa Hirmaannaa Koorniyaa (GPI)

Walgitinsa barnootaa keessaatti lammii umriin isaanii barnootaaf ga'e hundi sadarkaa walgitinsa qabuun carraa barnoota qul-qullina qabu kan argatan taasisuu, walqixxummaa bartoota dhiiraa fi dubartii fi walgitinsa barnootaa dhiraa fi dubara jidduu jiru mirkaneessuu dha. Haaluma kanaan barnoota keessatti dhiiraa fi dubara kan irra caalaa fayyadamoo ta'an xiinxaluun raawwii sadarkaa Naannoo, aanaalee horsisee bulaa fi kutaan addaan bahee xiinxalamee jira.

Akkuma gabatee armaan gadii irraa hubatamutti walgitinsa koorniyaa barnoota keessatti mirkaneessuu fakkeenyaaf, walgitinsa koorniyaa kutaa 9-10 keessatti 1.0 jechuun hirmaannaan barattoota shamarranii fi dhiira waliin walqixxa akka hirmaatan taasisuuf karoorfamee ture keessaa hojiileen hojjetamaa tureen raawwiin hirmaannaa warra shamarranii 0.8 yoo ta'u kan barattoota dhiiraa immoo 1.2 jechuun manneen barnoota kutaa 9-10 keessatti reeshoon walqixa ta'uun irra ture dhiirri warra shamarraniin %20 akka caalanii jiran yoo ta'u raawwiin fooyya'insa agarsiise inni guddaan %1 (BID) irratti argamu ta'uu agarsiisa.

Gama biraatiin walgitinsi koorniyaa Bulchiinsa magaalotaa, Godinaalee fi Aanaalee Horsiisee Bulaa keessatti sadarkaa hundaatti wal duraa duubaan giddugaleessaan 0.96, 0.84 fi 0.71 yoo ta'u raawwiin sadarkaa bulchiinsa magaalotaa keessatti hirmaannaan barattoota shamarran barattoota warra dhiiraa faana kan walitti dhiyeenyaan hirmaachaa jiraachuu isaanii kan agarsiisuu fi gama aanaaleen horsiisee bulaa keessatti raawwiin hirmaannaan barattoota shamarran kanneen dhiiraa gidduu garaagarummaan guddaan jiraachuu agarsiisa.

Giraafii 2.41: Walgitinsa Koorniyaa (GPI) Kutaa 1-4 RHD Godinaalee bara 2012



Madda: Biiroo Barnoota Oromiyaa, 2012

Giraafii 2.42: Walgitinsa Koorniyaa /GPI Kutaa 1-4 RHD Bulchiinsa Magalaa



Giraafii armaan oli irraa akka hubatamutti Bulchiinsa magaalota akka Amboo, Bishaan Gurrachaa, Bishooftuu, Buraayyuu, Dukam, laga xaafoo laga Daadhii, Moojoo, Naqamtee, Sabbataa, Sulultaa fi Walisoo keessatti barattoonni shamarranii warra dhiiraa caalaanii iddoo barachaa jiran kan agarsiisu dha.

Giraafii 2.43: Walgitinsa Koorniyaa (GPI) Kutaa 9-10 RHD Godinaalee



Madda: Biiroo Barnoota Oromiyaa, 2012

Giraafii armaan oli irraa akka hubatamutti, godina Arsii, Gujii, Gujii Lixaa Harargee Bahaa, Harargee Lixaa keessatti hirmaannaan shamarranii daran gad-aanaa yoo ta'u Godina Jimmaa keessatti barattoonni shamarranii warra dhiiraa caalaanii barachaa jiran agarsisa.

Giraafii 2.44: Walgitinsa Koorniyaa (GPI) Kutaa 9-10 RHD Bulchiinsaa Magaalotaa



Madda: Biiroo Barnoota Oromiyaa, 2012

Giraafii armaan oli irraa akka hubatamutti hirmaannaan barattoota shamarran sadarkaa 2ffaa Bulchiinsa magaalota akka Dukam, Galaan, laga Xaafoo Laga Daadhii, Moojoo, fi Sulultaa keessatti warra dhiiraa caalaanii barachaa jiraachuu isaanii agarsiisa.

Gabatee 2. 32: Garaagarummaa Koorniyaa (GPI) RHD(GER) Kutaa (1-8) akka AHB

Kutaa	Ka'u	Karoora Aanaalee H/Bulaa					Raawwii Aanaalee H/Bulaa					Naanno
	2007	2008	2009	2010	2011	2012	2008	2009	2010	2011	2012	2012
1-8	0.74	0.75	0.77	0.79	0.82	0.86	0.78	0.75	0.87	0.76	0.78	0.86
9-10	0.68	1.00	1.00	1.00	1.00	1.00	0.60	0.61	0.78	0.50	0.60	0.80
11-12	0.51	0.89	0.92	0.96	.98	1.00	0.50	0.55	0.74	0.50	0.51	0.70

Madda: Biiroo Barnoota Oromiyaa, 2012

Akkuma gabaatee kana irraa hubatamu walgitinsa Koorniyaa (GPI) barattoota (1-8),(9-10),(11-12)RHDaanaa horsisee bulaa bara ka'umsaa (2007) (0.74),(0.68),(0.51) walduraa duubaan irra kan ture 2012 gara (0.86),(1.0) fi (1.0) ol-guddisuuf karoorfame keessaa raawwiin 2012 walduraa duubaan (0.78),(0.60) fi (0.51) irra gahuus sadarkaa 1^{ffaa} irratti fooyya'insa kan agarsiisee yoo ta'u kan Kutaa 9-10 garuu bara ka'umsaan gad-ta'uu fi kan kutaa 11-12 manii karooraan qabameetiin achuma irra akka turuu agarsisa. Kanaafuu, garagaarummaan barattoota dubaraa fi dhiiraa gidduu jiru dhiphisuuf tarsiimoo addaa qopheessuun barbaachisa ta'uu agarsiisa.

Walumaagalatti walgitinsa koorniyaa (GPI) irratti mul'atu dhiphisuuf bara KGT-II hojjetamaa tureen raawwiin argame jijjirama yaadame milkeessuu baatus bulchiinsa magaalotaa keessatti fooyya'insa qabaatus sadarkaa Naannoo fi godinaaleetti hojiin manii karoorfame biraan gahuun hin danda'amne. Kanaafuu, walgitinsa koorniyaa dhiphisuuf karoora tarsiimoo keessatti xiyyeeffannaa addaa barbaada.

H. Hirmaannaa Barsisoota Dubartootaa

Hirmaannaan barsiisota dubartootaa BID 2007 %79 kan ture 2012 %80 irraan gahuuf karoorfame raawwiin gara %83.1 guddatee jira. Hirmaannaan barsiisota dubartootaa sadarkaa 1^{ffaa} 2007 %42.8 kan ture 2012 %48 irraan gahuuf karoorfame raawwiin gara % 40.6 gad-bu'ee jira. Hirmaannaan barsiisota dubartootaa sadarkaa 2^{ffaa} 2007 %16.2 kan ture 2012 %25 irraan gahuuf karoorfamee keessaa raawwiin

gara %20.1 fooyya'ee jira. Gama Hirmaannaan barsiisota dubartootaa qophaa'inaa 2007 %7.7 kan ture 2012 %15 irraan gahuuf karoorfamee ture keessaa raawwiin gara % 16.6 ol- guddatee jira.

Gabatee 2.33: Karooraa fi Raawwii Hirmaannaa Dubartootaa Barsisoota Baraan

Kuta	Saf	2007 Ka'u	Karoora					Raawwii						
			2008	2009	2010	2011	2012	2008	2009	2010	2011	2012	Godina 2012	Bul/Mag 2012
BID	%	79	80	80	80	80	80	59.8	71.2	65.5	70.6	83.1	75.2	94.5
1-8	%	42.8	44	45	46	47	48	31.1	40.3	40.8	41.0	40.6	39.7	52.2
9-10	%	16.2	17	19	21	23	25	18.9	17.7	18.95	18.7	20.1	19.1	26.6
11-12	%	7.7	9	11	13	14	15	8.2	7.8	8.4	8.1	16.6	7.6	14.9

Madda: Biiroo Barnoota Oromiyaa, 2012

Walumaa galatti hirmaannaa barsiisota dubaraa sadarkaa BID fi qophaa'inaa keessatti manii ta'ee ol raawwatamuun milkaa'ina kan galmeessise yoo ta'u; kan sadarkaa 1^{ffaa} manii karoorfame galmaan gahuu baatus fooyya'insa agarsiisa. Gama hirmaanaa barsiisota dubaraa sadarkaa 2^{ffaa} ilaalchisee ka'umsa KGT-I irraa %2.2 hir'isee jira. Bifa wal-fakkaatuun raawwii hirmaannaa barsiisota dubaraa sadarkaa bulchiinsa magaalotaa fi Godinaaleen addaa bahee yeroo xiinxalamu garaagarummaa guddaa kan qabu ta'ee addumatti bulchiinsa magaalotaa keessatti milkaa'inni guddaan kan argame ta'uu agarsiisa.

Gabatee 2. 34: Hirmaannaa Dubartoota Dura bu'aa fi I/ A/D/Bu'a MB (1-12), fi Suppervaayzera CRC

Hoggansa	saf	Ka'u	Karoora baraan					Raawwii baraan					Raaw 201	
		2007	2008	2009	2010	2011	2012	2008	2009	2010	2011	2012	God	BM
Dura bu'aa fi I/ A/D/Bu'a MB (1_12)	%	7	9.6	12.2	14.8	17.4	25	7.2	3.6	7.7	9.1	11.7	11.2	18.6
Suppervaayzera CRC(1_8)	%	3.1	5.5	7.9	10.3	12.6	25	2.1	2.3	2.9	2.9	3.6	3.0	2.3

Madda: Biiroo Barnoota Oromiyaa, 2012

Hirmaannaa dubartoota hooggansa barnoota keessatti guddisuuf dura bu'ootaa fi itti aantota Dura bu'oota MB sadarkaa hundaa 2007 7% kan ture 2012 %25 irraan gahuuf karoorfamee ture keessaa raawwiin isaa %11.7 irra jira. Gama hirmaannaa dubartoota suppervaayzeroota keessatti 2007 %3.1 kan ture 2012 gara %25 irraan gahuuf karoorfamee ture keessaa %3.6 qofatu raawwatee jira.

Bifuma wal-fakkaatuun raawwiin hirmaannaa barsiisota dubaraa hooggansa sadarkaa godinaaleetti jiran manii karoorfame galmaan gahuun hin anda'amne waan ta'eef karoora tarsiimoo keessatti dhimma xiyyeeffannaa addaa barbaadu ta'a.

Gabatee 2. 35: Hirmaannaa Dubartootaa Kaadhimamtoota, Leenjistootaa fi Barattoota Gaheesootaa

Kaadhimamtoota / Leenjistoota	saf	Kau 2007	Karoora Baraan					Raawwii Baraan				
			2008	2009	2010	2011	2012	2008	2009	2010	2011	2012
Kaadhimamtoota KBB keessatti	%	54	54	54	54	54	54	55.4	50.5	37.4	37.9	35.4
Leenjistootaa KBB keessatti	%	5.6	7	8	10	15	30	5.7	6.3	17.2	6.7	7.0
Barattoota Gaheesootaa keessatti	%	44	47	63	76	79	79	45.4	44.4	46.0	46.3	43.5

Madda: Biiroo Barnoota Oromiyaa, 2012

Ragaa kana irraa akka hubatamutti hirmaannaa kaadhimamtoota barsiisota dubaraa 2007 %54 kan ture 2012 achuma irra tursiisuuf karoorfamee ture keessaa raawwiin 2012 jiru %35.4 gad-bu'ee jira. Walumaa galatti hirmaannaa barsiisota dubaraa Leenjistoota KBB fi Barattoota Gaheesootaa keessatti raawwiin gad-aanaa waan ta'eef qoratamee furmaata kennuu barbaachisaa ta'uu mul'isa.

I. Ga'umsa Keessoo Barnootaa (Internal Efficiency)

Ga'umsa keessoo barnootaa milkeessuuf agarsiistoota gurguddoo raawwiin gahumsa keessoo barnootaa kanneen akka Reettii harcaatii, Reettii irra deebii, Reettii darbiinsaa, Reettii xumuraa kutaa 8^{ffaa} (Completion Rate), Reettii Ce'umsaa (Transition Rate) fi Reettii Turmaataa (Survival Rate) barattootaa kan madaalamanidha. Haaluma kanaan Reettiiwwan ga'umsa keessoo barnootaa murteessan akka armaan gadiitti gamaaggamni raawwii isaanii dhiyaatee jira.

1. Reettii Harcaatii (Dropout Rate)

Harcaatiin barattootaa manneen barnootaa keessatti yeroodhaa yerootti dabalaa dhufuun misooma barnootaa gama diinagdee fi hawaasummaa irratti miidhaa guddaa qaba. Kunis baasii maatiis ta'e mootummaan hojii baruu fi barsiisuu milkeessuuf humna namaa fi leecalloon barnootaa barbaachisu guutuuf raawwatamu iddoo guddaa qaba. Kanaafuu dhiibbaan harcaatii gama diinagdee fi hawasummaatiin mootummaa fi nama dhuunfaa irraan gahu xiqqeessuuf hojiin hojjetamaa tureera.

Haaluma kanaan, Reettiin harcaatii kutaa 1^{ffaa} 2007 %22.8 (dh 22.8 du 22.8) kan ture 2012 %2 (dh 2 du 2) irraan gahuuf karoorfame raawwiin argame gara %23.6 (dh 23.80 du 23.30) guddatee jira. Harcaatiin kun garmalee guddachuu fi ka'umsa KGT-I kan caale yoo ta'u; harchaatii kana keessatti barattoonni shamarranii waggaa shanan guutuu kan warra dhiiraa caalanii harca'aa jiraachuutiin rakkoon barattoota shamarranii addatti mudate kun qorannoon adda bahee yoo furmaata atattamaa argachuudhaa baate carraa fi egereen shamarranii irratti dhiibbaa waan qabuuf karoora tarsiimoo keessatti xiyyeeffannaa addaa kan barbaadu dha.

Giraafii 2.45: Reettii Harcaatii Kutaa 1[ffaa] baraan



	2007	2008	2009	2010	2011	2012	Manii KGT II
Kutaa 1ffaa (%)	22.8	17.9	22.9	20.7	24.89	23.55	2
Dhiira	22.8	17.9	22.7	20.7	24.55	23.8	2
Dubara	22.8	17.9	23.1	20.8	25.23	23.3	2

Madda: Biiroo Barnoota Oromiyaa, 2012

Reettii harcaatii kutaa 1-4[ffaa] 2007 %17 (dh 17 du 17.1) kan ture 2012 %2 (dh 2 du 2) irraan gahuuf karoorfamee ture keessaa raawwiin %16.06 (dh 16.21 du 15.88) kan raawwate yoo ta'u; raawwii kana keessatti walitti fufinsaan hanga bara 2011 harcaatii barattoota shamarranii kanneen warra dhiiraa caalu ta'ee 2012 immoo warri dhiira shamarraan caalaa akka harca'an Giraafii armaan gadii irraa ni argama.

Giraafii 2.46: Reettii harcaatii kutaa 1-4ffaa baraan



	2007	2008	2009	2010	2011	2012	manii KGT II
Kutaa 1-4 (%)	17	12.9	18.25	16.1	19.4	16.06	2
dhi	17	12.7	18	15.8	18.8	16.21	2
dub	17.1	13.1	18.5	16.3	20.1	15.88	2

Madda: Biiroo Barnoota Oromiyaa, 2012

Bifuma wal-fakkaatuun Reettiin harcaatii kutaa 5-8 2007 %13.1 (dh 13.1 du 13) ture 2012 %2 (dh 2 du 2) irraan gahuuf karoorfameen raawwiin gara %11.91 (dh 11.99 du 11.81) irra ga'e keessattis harcaatiin barattoota shamarranii warra dhiiraa caalaa harca'aa jiraachuu agarsiisa. Walumaa galatti Reettiin harcaatii kutaa 1-8 2007 %7.30 (dh 7.80 du 6.90) ture 2012 %2 (dh 2 du 2) irraan gahuuf karoorfameen raawwiin harcaatii barattootaa sadarkaa 1ffaa gara % 9.10 (dh 9 du 9.20) guddatee fi harcaatiin barattoota koorniyaadhaan yommuu xiinxalamu barattoonni shamarranii warra dhiiraa caalaa harca'aa jiraachuu isaanii Giraafiin armaan gadii ni agarsiisa.

Giraafii 2.47: Reettii harcaatii barattoota kutaa 1-8^{ffaa} baraan



	Ka'u 2007	2008	2009	2010	2011	2012	manii KGT II
Ida %	17.40	11.85	17.15	14.70	17.69	14.75	2.00
Dhiira %	15.90	11.30	16.70	14.20	16.74	14.80	2.00
Dubara %	18.90	12.40	17.60	15.20	18.63	14.70	2.00

Reettiin harcaatii barattoota kutaa 9^{ffaa} 2007 %14.8(dh 17 du 12.7) ture 2012 %2(dh 2 du 2) irraan gahuuf karoorfameen raawwiin harcaatii barattoota kutaa 9ffaa %14.8 (dh 14.6 du 17.5) ta'uun bara ka'umsaa irraa garaagarummaa kan hin qabne yoo ta'u; raawwii harcaatiin barattoota shamarranii bara 2009 fi 2012 keessatti garmalee waan guddateef ka'umsa harcaatii kanaa beekuun karoora tarsiimoo keessatti irratti hojjechuuf akka gargaaru agarsiisa.

Giraafii 2.48: Reettii harcaatii barattoota kutaa 9[ffaa] baraan



	ka'u 2007	2008	2009	2010	2011	2012	manii KGT II
Kutaa 9 (%)	14.8	14.9	18.1	10.3	12.8	14.8	2
Dhiira	17	15.6	16.6	10.9	13.5	14.6	
Dubara	12.7	14.2	19.6	9.7	11.8	17.5	

Madda: Biiroo Barnoota Oromiyaa, 2012

Gama Reettii harcaatii kutaa 11[ffaa] 2007 %7.9 (dh 8 du 7.8) ture 2012 gara %2 (dh 2 du 2) irraan gahuuf karoorfameen raawwiin gara %8.98 (dh 8.94 du 9.02) harcaatiin daree daran guddateefi baroota jalqabaa fi xumura KGT-II irratti harcaatiin garmalee hammataa ta'uu agarsiisa.

Giraafii 2.49: Reettii harcaatii barattoota kutaa 11[ffaa] baraan



	ka'u 2007	2008	2009	2010	2011	2012	manii KGT II
Kutaa 11(%)	7.9	9.6	10.15	6.45	6.2	8.98	2
Dhiira	8	8.4	9	4.8	6.9	8.94	
Dubara	7.8	10.8	11.3	8.1	5.2	9.02	

Madda: Biiroo Barnoota Oromiyaa, 2012

Walumaagalatti; harcaatii barattoota sadarkaa 1ffaa fi 2ffaa keessatti gamaaggama raawwii kanaan sadarkaa hundattu garmalee dabalaa kan deemee fi bara ka'umsaa olitti harcaatiin barattootaa kan guddatte yoo ta'u, waliigala barattoota harca'an keessaa barattoota shamarranii fi warra dhiiraa yoo wal-madaalsifaman barattoonni shamarranii sadarkaa hundatti baayinaan harca'aa jiraachuu agarsiisa.

Kanaafuu, karoora tarsiimoo keessatti sababa harcaatiin shamarranii KGT-II kana keessa hammaataa maaltu akka taasise beekuu, rakkoo isaa bu'uraa hiikuuf qorannoon deeggaruu fi harcaatiin kun yoo haaluma kanaan kan ittifufu ta'ee misooma naannichaa irratti dhiibbaa waan qabuuf dhimma xiyyeeffannaa addaa barbaadu ta'a.

2. Reettii Irra Deebii (Repetition Rate)

Gahumsa keessoo barnootaa mirkaneessuuf daa'imman umurii barnootaaf gahan carraa barnootaa argatanii itti fufinsaan daree dhaa dareetti ce'anii akka baratan taasisuun Reettii harcaatii fi irra deebii daree xiqqeessuuf barbaachisaa dha. Haaluma kanaan:

Reettiin daree irra deebii kutaa 1ffaa 2007 %8.8 (dh 8.4 du 8.6) kan ture 2012 %2 (dh 2 du 2) xiqqeessuuf karoorfamee ture keessaa raawwiin gara %9.5(dh 9.6 du 9.5) irra gaheen Reettii irra deebiin daree xiqqachuun irra ture garmalee irra deebiin barattootaa guddachaa jiraachu agarsiisa.

Giraafii 2.50: Reettii irra deebii daree kutaa 1ffaa baraan



Madda: Biiroo Barnoota Oromiyaa, 2012

Reettiin daree irra deebii (kutaa 1-4) 2007 %7.9 (dh 8.1 du 7.6) kan ture 2012 koorniyaa lamaan %2 gad-buusuuf karoorfamee keessaa raawwiin %9.3(dh 9.4 du 9.3) irra deebiin daree guddatee jira.

Giraafii 2.51: Reettii irra deebii daree 1-4 baraan



Madda: Biiroo Barnoota Oromiyaa, 2012

Reettii daree irra deebii (kutaa 5-8) 2007 % 7.2 (dh 7.8 du 6.5) kan ture 2012 koorniyaa lamaan 2% gad-buusuuf karoorfamee kan ture keessaa raawwiin gara %8.6(dh 8.4 du 8.9) guddatee jira. Walumaa galatti Reettii daree irra deebii (kutaa 1-8) 2007 %7.3 (dh 7.8 du 6.9) kan ture 2012 koorniyaa lamaan %2 gad-buusuuf karoorfamee ture keessaa raawwiin %9.10 (dh 9 du 9.20) guddatee jira.

Gama Reettiin daree irra deebii (kutaa 9-10) 2007 %9 (dh 10.1 du 7.7) kan ture 2012 koorniyaa lamaan %2 gad-buusuuf karoorfamee ture keessaa raawwiin gara %17.6(dh 16.1 du 19.6) guddatee jira. Reettiin irra deebii daree baroota ka'umsaa irraa eegalee Reettiin xiqqachaa kan dhufe yoo ta'u bara 2011 fi 2012 keessatti garmalee kan guddatee fi Reettii kana koorniyaadhaan yoo xiinxalamu 2012 barattoonni shamarranii daangaa malee (%19.6) irra deebi'aa jiraachuu agarsiisa. Kanaafuu, taateen addaa 2012 keessatti barattoota shamarranii mudate adda baasuuun furmaata kennuun dhimma xiyyeeffannaa barbaadudha.

Giraafii 2.52: Reettii irra deebii daree 9-10 baraan



	ka'u 2007	2008	2009	2010	2011	2012	Manii KGT II
kutaa 9-10(%)	9	7.6	6.75	6.8	10.6	17.6	2
Dhiira	10.1	8.3	7.5	7.3	11	16.1	2
Dubara	7.7	6.7	6	6.1	10	19.6	2

/Madda: Biiroo Barnoota Oromiyaa, 2012

Reettiin irra deebii (kutaa 11-12) 2007 %3.1(dh 3.9 du 2.0) kan ture 2012 koorniyaa lamaan %2 gad-buusuuf karoorfamee ture keessaa raawwiin gara %5.2(dh 5.2 du 5.3) guddatee jira. Waliigalaan Reettii irra deebii daree sadarkaa bara baraan xiqqachuun irra ture dabalaa kan dhufee fi bara 2008-2011 irra deebii kan baayisu warra dhiiraa yoo ta'u 2012 ammoo warra shamarraniituu akka caalu agarsiisa.

Giraafii 2.53: Raawwii Reettii irra deebii barattoota daree 11-12 baraan



	ka'u 2007	2008	2009	2010	2011	2012	Manii KGT II
kutaa 11-12	3.1	2.8	4	2.5	3.4	5.2	2
Dhiira	3.9	3.4	5.2	2.8	3.5	5.2	2
Dubara	2	2	3	2.1	3.2	5.3	2

Madda: Biiroo Barnoota Oromiyaa, 2012

Walumaagalatti, Reettiin daree irra deebii sadarkaa hundatti manii karoorfame galmaan ga'uun hin danda'amne. Reettiin irra deebii daree kun bara ka'umsaa 2007 caalaa kan dabalaa deemee yoo ta'u, Reettii irra deebii daree kana keessatti barattoota shamarranii fi dhiiraa yoo wal-madaalsifaman giddugaleessaan warra shamarranii irratti akka baay'atuu fi dhiibbaan adda addaa hawaasa keessatti akka isaan qunnamaa jiru agarsiisa.

Kanaafuu, karoora tarsiimoo keessatti waliigalatti kufaatii Reettii irra deebii daree daangaa malee dabalaa deeme kana irraa barannee, rakkoolee hawaasa keessaa barattoonni shamarranii maaliif hedduminaan daree irra deebiif akka saaxilaman addaan baasuun dhimmoota xiyyeeffannaa addaa barbaadan dha.

3. Reettii Turmaataa (Survival Rate)

Reettii Turmaata Barattoota manneen barnoota Sadarkaa 1^{ffaa} kan kutaa 5^{ffaa} 2007 %60.6 kan ture 2012 %80 irraan gahuuf karoorfamee ture keessaa raawwiin Reettii turmaata barattootaa gara %53.2 (dh 53.4 du 53) kan gad-bu'ee fi raawwiin kun bara ka'umsaa irraa %7.4 xiqqaatee jiraachuu agarsiisa. Gama Reettii Turmaata Barattoota sadarkaa 1^{ffaa} kan kutaa 8^{ffaa} 2007 %30.5 (dh 29.9 du 31.2) kan ture 2012 %60 irraan gahuuf karoorfamee ture keessaa raawwiin Reettii turmaata barattootaa gara %29.65 (dh 31.2 du 28.1) gad-bu'ee jira.

Bu'uruma kanaan Reettiin turmaata barattoota sadarkaa 1^{ffaa} keessatti galma'an keessaa kan kutaa 5^{ffaa} %80 fi kan kutaa 8^{ffaa} %60 manneen barnootaa keessa tursiisuuf hojjetamaa turus Reettiin turmaata barattootaa bara ka'umsa KGT-I irraa caalaa xiqqaateen manneen barnootaa sadarkaa 1^{ffaa} haala yaaddeessa keessa jiraachuun Giraafii armaan gadii irraa akka hubatamutti Reettiin turmaataa barattoota sadarkaa 1^{ffaa} kan xiqqaachuu danda'eef sadarkaa 1^{ffaa} keessatti Reettiin harcaatii fi irra deebii barattootaa dabalaa adeemuu agarsiisa.

Giraafii 2.54: Reettii Turmaataa



Madda: Biiroo Barnoota Oromiyaa, 2012

Fakkeenyaaf barattoota bara 2005 kutaa 1^{ffaa} galmaa'an 1,607,846 keessaa kanneen 2012 utuu hin arca'inii fi kutaa irra hin deebi'in kutaa 8^{ffaa} gahan 478,654 (%29.8) qofa akka ta'e Giraafii asiin gadii irratti dhihaatee jira.

Giraafii 2.55: Yaa'insa barattoota sadarkaa 1^{ffaa} turtii waggaa saddeetii



Madda: Biiroo Barnoota Oromiyaa, 2012

Kanaafuu karoora tarsiimoo keessatti kanneen Reettii turmaataa hammeessan addaan baasuun karoora itti aanu keessatti akka hin mudannee gochuun barbaachisaa ta'uu agarsiisa

4. Reettii Xumura Barnoota Sadarkaa 1ffaa

Reettii xumuraa barnoota marsaa 1ffaa kan kutaa 4ffaa 2007 %73 (dh 76.9 du 69) ture 2012 koorniyaa lamaan %95 irraan gahuuf karoorfamee ture keessaa raawwiin gara % 87.7 (dh 94.20 du 81) guddina agarsiisee jira. Raawwii Reettii xumuraa barattoota kutaa 4ffaa keessatti hirmaannaa barattoota dubaraa fi dhiira gidduutti yoo m adaalaman barattoonni dhiiraa kan warra shamarranii caalaa Reettiin isaan ittii daree kana xumuran baraan dabalaa kan deeme ta'uu agarsiisa.

Giraafii 2.56: Reettii xumuraa barnoota marsaa 1ffaa kan kutaa 4ffaa



	ka'u 2007	2008	2009	2010	2011	2012	Manii KGT II
kutaa 4ffaa	73	77	83	83	82.2	87.7	95
Dhiira	76.9	82	89	90	89.6	94.2	95
Dubara	69	72	77	76	75	81.3	95

Madda: Biiroo Barnoota Oromiyaa, 2012

Reettiin xumura kutaa 8ffaa 2007 %44.2 (dh 46.3 du 41.9) ture 2012 koorniyaa lamaan %96 irraan gahuuf karoorfamee ture keessaa raawwiin gara %54.3 (dh 60.4 du 48) fooyya'insa agarsiisee jira. Reettii xumuraa kanaatti hirmaannaa barattoota dhiiraa fi shamarranii ilaalchisee bara KGT-II kana keessa barattoota warra dhiiraatu barattoota shamarranii caalaa bara baraan Reettiin xumuraa dabalaa jiraachuu agarsiisa.

Giraafii 2.57: Reettii xumuraa kutaa 8ffaa baraan



	ka'u 2007	2008	2009	2010	2011	2012	Manii KGT II
kutaa 8ffaa	44.20%	44%	46%	48%	46.00%	54.30%	96%
Dhiira	46.30%	47%	50%	52%	51.00%	60.40%	96%
Dubara	41.90%	41%	42%	43%	42.00%	48%	96%

Madda: Biiroo Barnoota Oromiyaa, 2012

Walumaagalatti, bara KGT-II kana keessa Reettiin xumura Reettiin xumuraa sadarkaa 1ffaa dabalaa kan agarsiisu ta'ee addumatti Reettiin xumura kutaa 8ffaa garuu jijjirama qabaatus sadarkaa gaarii irra akka hin geenye agarsiisa. Gama biraatiin Reettii xumuraa sadarkaa 1ffaa keessatti hirmaannaan barattoota shamarranii baraan dabalaa haa jiraatu malee % guddinaa isaanii kan warra dhiiraatiin gad-ta'uu agarsiisa. Kanaafuu, karoora tarsiimoo kana keessatti Reettii xumuraa barattoota dubaraa guddisuuf tarsiimoo addaa qopheessuun murteessaa ta'uu agarsiisa.

5. Reettii Darbinsaa (Promotion Rate)

Reettii darbuu barnoota sadarkaa 1ffaa (1-8) 2007 %78 (dh 78 du 79) kan ture 2012 %96 (dh 96 du 96) irraan gahuuf karoorfame keessaa raawwiin %76.20 (dh 76.20 du 76.30) gad-bu'ee jira. Haa ta'u malee Reettiin darbinsa barattoota sadarkaa 1ffaa bara ka'umsaa irraa %1.8 bara baraan hir'isaa jiraachuu fi garaagarummaan koorniyaa lamaan gidduu jiruus baay'ee kan wal irraa fagaate miti.

Giraafii 2.58: Reettii Darbinsa kutaa 1-8ffaa bara 2008-2012



	Kau. 2007	2008	2009	2010	2011	2012	manii 2012
kutaa 1-8(%)	78	81.5	76	79.2	75	76.20	96
Dhiira	78	81.9	76.3	79.5	75.7	76.20	
Dubara	79	81.1	75.7	78.7	74.1	76.30	

Madda: Biiroo Barnoota Oromiyaa, 2012

Kanaafuu, ga'umsaa fi dandeettiin barattoota sadarkaa kanatti waa beekan daree tokko irraa gara daree itti aanutti darbuu qaban bara KGT-II kana keessatti manii galmaan gahuuf karoorfame milkeessuu hin dandeenye. Bara Saaynsii fi Teknoolojii dagaagaa jiru keessatti Reetiin darbuu barattoota sadarkaa 1ffaa (1-8) hir'achaa jiraachuun rakkoo ta'uun isaa hubatamee karoora tarsiimoo keessatti xiyyeeffannaa argatee barattoota keenya dorgomaa taasisuuf dhiyeessiin barnoota istaandardii isaa eeggatee fi adeemsa baruu-barsiisuu hirmaachisaa ta'e fayyadamuun barattoota dandeettii fi ga'umsa qaban horachuun barbaachisaa ta'a.

6. Reettii Ce'umsaa Kutaa 4ffaa (Transition Rate)

Reettii ce'umsa barnoota marsaa 1ffaa (kutaa 4ffaa) 2007 %87 (dh 89 du 86) irra kan ture 2012 koorniyaa lamaan %95 irraan gahuuf karoorfamee ture keessaa raawwiin gara %80.20 (dh 80.30 du 80.10) hir'isee jira. Barnoota sadarkaa 1ffaa (kutaa1-4) keessatti bakka daa'imman egeree isaanii qajeelfachuuf bu'ura itti horatan waan ta'eef barattoota kana gahoomsuuf carraaqqiin taasifamaa turus manii karoorfame osoo galmaan hin ga'iin raawwii bara KGT-I keessatti galmaa'e irraa %7.3 gad-bu'ee galmaa'uun hojii barnootaa keessatti kufaatii galmeessine dha.

Giraafii 2.59: Reettii ce'umsaa barattotaa kutaa 4ffaa baraan



	Ka'u 2007	2008	2009	2010	2011	2012	Manii KGT II
Ida'ama (G4)%	87.5	84.7	77.6	81.3	77.3	80.2	95
Dhiira	88.5	85.7	79.1	82.5	78.7	80.3	95
Dubara	86.5	83.5	77.6	79.9	75.7	80.1	95

Madda: Biiroo Barnoota Oromiyaa, 2012

Kanaafuu, daa'imman manneen barnoota keessa tursiisuu fi gulantaa itti aanutti ceesisuuf gumaachaa fi dhiibbaa qisaasama leecalloo fi qabeenyaa; walumaa galatti rakkoolee diinagdee fi hawaasummaa daa'immanii fi maatii isaanii irratti waan qabuuf kufaatii Reettii ce'umsa barattoota kutaa 4ffaa ka'umsa isaa qoratamee furmaata akka argatu gochuun barbaachisaa ta'uu agarsiisa.

J. Qulqullina Barnootaa

Milkaa'ina barnoota biyya tokkootiif gaheen qul-qullina barnootaa ol-aanaa dha. Hojiileen qul-qullina barnootaa mirkaneessuuf agarsiistuuleen adda addaa kanneen dandeettii fi gahumsa barsiisotaa dabaluu, istaandardii Barsiisotaa fi hooggansa manneen barnootaa eegsisuu, hireewwanii fi faasiliitiiwwan manneen barnootaa murteessoo dha. Haaluma kanaan agarsiiftuulee milkaa'ina barnootaa bara KGT-II kana keessa raawwataman bu'aan isaan fidan akka armaan gadiitti gamaaggamamee jira.

A. Misooma Barsiisotaa

Barsiisummaan bu'ura ogummaa waan hundumaati. Dandeettii fi gahumsi barsiisaa qul-qullina barnootaa mirkaneessuun lammii gahumsa, dandeettii fi naamusa qabu

horachuun dhaloota egeree sabaa fi biyyaaf gumaachuu keessatti hojiin barsiisummaa hojii dorgomaa hin qabnedha. Kana dhugoomsuuf barsiisota fedhii, dandeettii fi gahumsa qaban barnoota gulantaan gaafatu guutan hojii barsiisummaa irratti bobba'an bara 2007-2012 keessatti dabalaa dhufeera.

Bu'uruma kanaan, barsiisota BID 2007 442 (dh 91 du 351) irra kan ture 2012 38,270 irraan gahuuf karoorfamee ture keessaa 14,924 (dh 2,517 du 12,407) %43.49 raawwaatamee jira. Barsiisootaa sadarkaa 1^{ffaa} (1-8) mootummaa fi mit-mootummaa 2007 128,934 kan ture 2012 188,887 irraan gahuuf karoorfamee ture keessaa 165,914(dhi 98,498 fi du b 67,416) % 98.81 raawwatamee jira.

Barsiisota sadarkaa 2^{ffaa} (9-10) mootummaa fi mit-mootummaa 2007 21,500 kan ture 2012, 27,794 irraan gahuuf karoorfameen 26,655 (dh 21,312 du 5,343) % 91.61 raawwatamee jira. Akkasumas, barsiisota manneen barnoota qophaa'inaa mootummaa fi mit-mootummaa 2007 5,512 kan ture 2012 8,868 irraan gahuuf karoorfamee ture keessaa gara 11,471 (dh 10,477 du 994) %109.64 guddateen manii karoorfamee ture keessaa raawwiin %9.64 raawwatamee jira.

Walumaagalatti, hojii misooma barsiisota manneen barnoota mootummaa fi mit-mootummaa sadarkaa 1ffaa hanga qophaa'inaatti raawwiin jiru sadarkaa gaarii irra jiraatus barsiisota kana oogummaa fi gosa barnoota isaan ittiin eebbifamaniin yoo madaalamu ammayyuu hanqinni barsiisota sadarkaa hundattuu jiraachuu agarsiisa.

B. Barsiisota Istaandardii Guutan

Hojii qul-qullina barnootaa mirkaneessuuf sadarkaan qophaa'ummaa barsiisota gulantaan barnootaa barbaadu guutan baayinaa fi qul-qullina horachuun barbaachisaadha. Barsiisota sadarkaa 1^{ffaa} (Kutaa 1-8) dippiloomaa fi isaa olii kan qaban 2007 %76.11 kan ture 2012 %100 irraan gahuuf karoorfamee ture keessaa raawwiin barsiisota gulanticha guutan hojii barsiisummaa irratti bobba'an gara %89.60 guddatullee manii ka'aame hin milkeessinne.

Giraafii 2.60: Barsiisota Sad. 1ffaa Qophii Barnootaan Istaandardii Guutan



Madda: Biiroo Barnoota Oromiyaa, 2012

Barsiisota sadarkaa 2ffaa (9-10) istaandardiin gaafatu digirii fi isaa olitti qaban 2007 %84.99 kan ture 2012 %100 irraan gahuuf karoorfamee ture keessaa raawwiin barsiisonni sadarkaa 2ffaa gara %95 ta'an istaandardii kan guutan ta'uu agarsiisa.

Giraafii 2.61: Barsiisota Sadarkaa 2ffaa Istaandardii Guutan



Madda: Biiroo Barnoota Oromiyaa, 2012

Barsiisota manneen barnoota qophaa'inaa (11-12) istaandardiin gaafatu digrii 2ffaa fi isaa ol guutan 2007 %5.78 kan ture 2012 %50 irraan gahuuf karoorfameen raawwiin barsiisota istaandardii guutan gara %22.40 fooyya'ee jira.

Kanaafuu, qophaa'ummaan barsiisota istaandardii guutan sadarkaa 1ffaa %89.60, sadarkaa 2ffaa %96.30 fi qophaa'ina %22.40 irratti argamuun manii KGT-II milkeessuu baatus raawwiin jiru sadarkaa gaarii irra waan jiruuf karoora tarsiimoo keessatti harcaatii jiru sirreessuun barbaachisaadha.

Giraafii 2.62: Barsiisota Qopha'inaa Qophii Barnootaan Istaandardii Guutan



	ka'u.2007	2008	2009	2010	2011	2012
Kar.		15.60	23.78	31.73	40.85	50.00
Raaw.	5.50	9.20	14.00	18.60	24.60	22.40

Madda: Biiroo Barnoota Oromiyaa, 2012

C. Gahumsa Barsiisotaa

Barsiisotaa qophii barnoota gulantichaaf gaafatu guutan hojii misooma barnootaatti bobbaasuun qofti jijjiirama beekkumsaa, ilaalchaa fi oogummaa barattootaa irratti fiduuf wabii hin ta'u. Adeemsa fo'annaa fi leenjii barsiisota yeroo dheeraaf barattoota kutaa 10ffaa xumuranii Yuunversiitii galuuf gahumsa dhabanii fi fedhii oogummaa barsiisummaa hin qabne fo'achuun KBB akka leenji'an taasifamaa tureen miira, hamilee fi xinsammuu kufaatiin guutameen sirna leenjii barsiisota gahumsa hin qabneen dhaloota qubee seeraan qul-qulleessee barreessuu fi dubbisuu

hin dandeenye oomishaa kan turame ta'uu madaallii gahumsa oogummaa barsiisummaa yeroo adda addaa gaggeeffame ni agarsiisa.

Bu'uruma kanan barsiisota BID qorumsa gahumsa kennuu kan hin eegalamne yoo ta'u, gama gahumsa barsiisota sadarkaa 1ffaa, 2ffaa fi qophaa'ina keessatti baayina barsiisota qorumsa gahumsa oogummaa barsiisummaa fudhatanii qabxii darbuu argatan kan baroota hundaa manii kaa'amee gad-ta'uu isaa gahumsi barsiisota naannoo Oromiyaa kufaatii guddaa keessa jiraachuu raawwiin gabatee armaan gadii ni mirkaneessa.

Gabatee 2. 36 : Barsiisota qorumsa Gahumsaa fudhatanii qabxii darbuu argatan %dhaan

Sad. Kutaa	Kar/Raa	Saf	Ka'u 2007	2008	2009	2010	2011	2012
BID	Karoora	%	0	10	20	30	40	50
	Raawwii	%		-	-	-	-	-
Sad.1ffaa 1-8	Karoora	%	0	10	24	38	52	70
	Raawwii	%	28.9	7.2	14.6	28.1	32.5	35.2
Sad.2ffaa fi Qoph (9-12)	Karoora	%	0	10	24	38	52	70
	Raawwii	%	23.7	8.3	13.7	19.7	28	30.5

Madda: Biiroo Barnoota Oromiyaa, 2012

D. Manneen Barnootaa

Hojii misooma barnootaa keessatti istaandardiin manneen barnootaa eegsisuun naannoo barnootaa mijataa taasisuun qul-qullina barnootaa mirkaneessuuf gargaara. Haaluma kanaan, hojiin sadarkeessaa manneen barnootaa sadarkaa 1ffaa fi 2ffaa madaallii insipeekshinii barnoota waliigalaa ciicataan, adeemsaa fi bu'aan madaalamanii gulantaan manneen barnootaa irratti argaman gamaaggamni gaggeeffamee jira. Insipeekshinii madaallii manneen barnoota marsaa 1ffaatiin (2008-2009) manneen barnoota 13,675 madaallii marsaa 1ffaa argatan gulantaa irratti madaalamaniin sadarkeeffamanii jiru.

Haaluma kanaan sadarkeessaa manneen barnoota 13,675 (sadarkaa 1ffaa 12,584 fi sad 2ffaa 1,091) irratti madaallii insipeekshinii gaggeeffameen kanneen gulantaa 3ffaa fi isaa olitti guutan manneen barnoota 2,035(%14.88) qofa yoo ta'an; manneen barnoota 11,640 (%85.12) kanneen gulantaa hin guunne ta'anis gara gulantaa 3ffaaguddachuudhaaf carraa qaban 9,158 (%66.97) yoo ta'u, %18.15 garuu kanneen rakkoo addaa qaban ta'uu agarsiisa.

Gabatee 2. 37: Gulantaa manneen barnoota irratti madaalaman (2008-2009)

Gulantaa MB	M/B Sadarkaa 1ffaa		MB Sad. 2ffaa (9-12)		Walii gala	%
	Lakk	%	Lakk	%		
Gulantaa 1	2,431	19.32	51	4.67	2,482	18.15
Gulantaa 2	8,475	67.35	683	62.6	9,158	66.97
Gulantaa 3	1,677	13.33	355	32.54	2,032	14.86
Gulantaa 4	1	0.01	2	0.18	3	0.02
Ida'ama	12,584	100.01	1,091	99.99	13,675	100

Madda: Biiroo Barnoota Oromiyaa, 2012

Bifuma wal-fakkaatuun madaallii marsaa 2ffaa (2010-2011) gaggeeffameen manneen barnootaa sadarkaa 1ffaa fi 2ffaa waliigala 10,221 madaalamanii sadarkeeffamanii jiru.

Gabatee 2.38: Gulantaa madaallii Sadarkaa Manneen Barnoota marsaa 2ffaa (2010- 2011)

Gulanta Manneen	**Sadarkaa 1ffaa**		**Sadarkaa 2ffaa**		**Idaa'ama**	
Barnootaa irratti Madalaaman	Baay'ina MB	%	Baay'ina MB	%	Baay'ina MB	%
Gulantaa 1	1813	19.15	66	8.80	1879	18.38
Gulantaa 2	6907	72.94	531	70.60	7438	72.77
Gulantaa 3	748	7.90	155	20.60	903	8.83
Gulantaa 4	1	0.01	0	0.0	1	0.01
Idaa'ama	9,469	100	752	100	10,221	100

Madda: Biiroo Barnoota Oromiyaa, 2012

Gabatee kana irraa akka hubatamutti madaalliin inispeekshinii idilee marsaa 2^{ffaa} manneen barnootaa madaalaman 10,221 (sadarkaa 1^{ffaa} 9,469 fi sadarkaa 2^{ffaa} 752) keessaa kanneen ulaagaa isa xiqqaa (%70) fi isaa ol guutuu kan danda'an manneen barnoota 904 (%8.84) qofa yoo ta'an kan ulaagaa gadi ta'an 9,317 (%91.16) dha. Kanneen gulantaa 2 irratti argamanii fooyya'uuf abdii qaban 7,834 (%72.77) fi kanneen rakkoo cimaa qaban gulantaa 1 (%50) gadi irratti argaman 1,879 (%18.36) ta'uu agarsiisa.

Walumaagalatti manneen barnootaa ulaagaa taa'een gulantaa I akka hin jirretti karoorfamullee manneen barnootaa m adaalaman keessaa sad. 1^{ffaa} %19.15 fi sad. 2^{ffaa} %8.80 ta'an ulaagaa manneen barnootaa kan hin guunne dha. Manneen barnootaa sad. 1^{ffaa} fi 2^{ffaa} gulantaa II irra jiran %30 fi %21 gad-buusuuf karoorfamee ture keessaa raawwiin %72.94 fi %70.60 kan guddate yoo ta'u, Manneen barnootaa sad. 1^{ffaa}, 2^{ffaa} fi qophaa'inaa gulantaa III irra jiran %60, %64.4 fi %55 duraa duuba ol- guddisuuf karoorfamus raawwiin %7.90 fi %20.6 irra jira.

Kanaafuu, sadarkeessaa manneen barnootaa sadarkaa 1^{ffaa} , 2^{ffaa} fi qophaa'inaa gara gulantaa 3^{ffaa} fi isaa olitti madaalamaniin raawwiin galmaa'e baay'ee gad-aanaa waan ta'eef karoora tarsiimoo keessatti gara istaandardoota, adeemsaa fi bu'aa qabeessaa sirrii fi qabatamaa ta'etti manneen barnootaa gulantaatti fiduuf xiyyeeffannaan addaa kennamee yoo furamuu baate dhaloota irratti dhibbaa waan qabuuf dhimma murtoo addaa barbaadu dha.

Gabatee 2. 39: Sadarkeessa manneen barnootaa

Sadarkaa MB	Saf	Ka'u	Karoora					Raawwii Marsaa dhaan		Manii
Sad, 1ffaa (1-8)		2007	2008	2009	2010	2011	2012	2008- 2009	2010-2011	KGT II
Gulantaa 1	%							19.32	19.15	
Gulantaa 2	%	90.5	78.4	66.3	54.2	42.04	30	67.35	72.94	30
Gulantaa 3	%	9.5	19.6	29.7	39.8	49	60	13.33	7.9	60
Gulantaa 4	%	0	2	4	6	8	10	0.01	0.01	10
Sad, 2 ffaa (9-10)										
Gulantaa 1	%							4.67	8.80	
Gulantaa 2	%	73.6	63.08	52.56	42.04	31.52	21	62.6	70.60	21
Gulantaa 3	%	26.4	34.12	41.84	49	56.72	64.44	32.54	20.60	64.44
Gulantaa 4	%	0	3	6	9	12	15	0.18	0	15
Qophaa’ina										
Gulantaa 1	%							4.67	18	
Gulantaa 2	%	63.7	54.96	46.22	46.22	37.48	20	62.6	73	20
Gulantaa 3	%	34.5	38.6	42.7	42.7	46.8	55	32.54	9	55
Gulantaa 4	%	1.8	6.44	11.08	11.08	15.72	25	0.18	0	25

Madda: Biiroo Barnoota Oromiyaa, 2012

E. Bu’aa Barachuu Barattootaa

Qulqullina barnoota mirkaneessuu keessatti madaallii barnootaa (learning assessment) gaggeessuun barattoonni gahumsa isa xiqqaa ta’e (minimum learning competency) gonfachuu fi gonfachuu dhabuu isaanii mirkaneessuuf Ministeera Barnootaatiin bara 2019 (NLA) irratti gamaaggama gaggeesseen bu’aa barachuu barattootaa fooyyessuuf sirna barnoota hojiirra jiruu fooyyessuun gosa barnoota afaanii, herregaa fi Saaynsii tiin kutaalee gadii keessatti dandeettii dubbisuu fi barreessuu isaanii fooyyessuuf hojiin bal’aan hojjetamaa turus qabxiin barattootaa barnoota hundaan %50 fi isaa ol-fiduu qabu imaammata jedhuun yoo xiinxalamu bu’aan argame baay’ee gad-aanaa dha.

Madaallii Barnoota Kutaa 4^{ffaa}

Barumsa gosa afaanota sadaniin akka gaggeeffamu ta’ee Afaan dhalootaatiin 2007 %39.6 irra kan ture, 2012 %56 irraan gahuuf karoorfamee kan ture keessaa raawwiin %59.2 irratti argama. Afaan Ingiliffaatiin %38.4 irra kan ture, 2012 %50 irraan gahuuf karoorfamee ture keessaa, raawwiin %30 irra kan gahe jiru yoo ta’u, gosa barnoota Herregaatiin 2007 %36.3 kan ture, 2012 %60 irraan gahuuf karoorfamee ture keessaa raawwiin %66.3 irra jira. Ragaa kana irraa hubachuun akka danda’amutti gosa barnoota Afaan dhalootaa fi gosa barnoota herregaatiin haala gaariin kan irratti hojjetame yoo ta’u, kan gosa barnoota afaan Ingiliffaa immoo kan duraanii irra gad-bu’ee waan argamuuf karoora tarsiimoo keessatti xiyyeeffannaa addaa kan barbaadu dha.

Xiinxala Qabxii Qormaata Sadarkaa Naannoo fi Biyyoolessaa

Firii Barattoota Kutaa 8^{ffaa} qabxii %50 fidanii gara kutaa 9^{ffaa} darban 2007 %82.98 irra kan ture, karoora 2012 %100 irraan gahuuf karoorfame keessaa raawwiin 2011 %94.5 gara kutaa 9^{ffaa} darbanii jiru. Bu'aa qorumsa biyyoolessaa kutaa 10^{ffaa} fudhatanii gara qophaa'inaatti kan darban 2007 %39.37 irra kan ture 2012 %49

irraan gahuuf karoorfamee ture keessaa raawwiin 2011 %84.60 gara kutaa 11ffaa darbanii kan jiran yoo ta'u, bu'aa qormaata kutaa 12ffaa immoo qoramanii qabxii 350 fidanii gara yuunversiitii mootummaatti darbanii 2007 %51 irra kan ture, karoora 2012 keessatti %80 irraan gahuuf karoorfamee ture keessaa raawwiin 2011 gara 45.36 gad-hiri'see jira. Walumaa galatti raawwiin firii barattootaa yoo xiinxalamu firiin kutaa 8ffaa fi 10ffaa irratti haala gaariin kan hojjetame yoo ta'u, kan kutaa 12ffaa garuu gad-aanaa waan ta'eef karoora tarsiimoo keessatti xiyyeeffannaa addaa kan barbaadu ta'a.

F. Istaandardii Hoggansa Manneen Barnootaa

Hojii bulchiinsa barnootaa keessatti gahum saa fi bu'aa qabeessumma hoggansa manneen barnootaa guddisuuf durabu'oota manneen barnootaa keessatti sadarkaa hooggansaa isaan barbaachisu akka gonfatan gochuun murteessaa dha.

Haalum a kanaan durabu'oota manneen barnoota sadarkaa 1ffaa istaandardii guutan 2007 %15.5 kan irra ture 2012 %100 irraan gahuuf karoorfameeture keessaa raawwiin barsiisota digrii fi isaa ol qaban gara %70.5 fooyya'ee jira. Itti Aantoota dura bu'oota MB sadarkaa 1ffaa (1-8) gulantaan gaafatu digrii fi isaa ol-guutan 2007 %15.5 irra kan ture 2012 %100 irraan gahuuf karoorfamee ture keessaa raawwiin barsiisota digrii fi isaa olii istaandardii guutan %50.1 fooyya'ee jira.

Giraafii 2.63: Istaandardii dura bu'oota manneen barnoota sadarkaa 1ffaa(1-8)



Madda: Biiroo Barnoota Oromiyaa, 2012

Dura bu'oota manneen barnoota sadarkaa 2ffaa istaandardii barbaachisu digrii 2ffaa fi isaa ol kan guutan 2007 %9.2 irra kan ture 2012 gara %100 irraan gahuuf karoorfamee ture keessaa raawwiin %54.5 irratti argama. Walumaagalatti, istaandardiin hooggansa dura bu'oota manneen barnootaa yeroodhaa yerootti fooyya'insa agarsiisaa deemus manii karoorfame biraan gahuun hin dandeenye. Kanaafuu hooggansa manneen barnootaa yeroon barbaadu baayinaa fi qul-qullinaan horachuun qul-qullina barnootaa mirkaneessuu keessatti gumaacha waan qabuuf karoora tarsiimoo keessatti xiyyeeffannaa addaa barbaada.]

Giraafii 2.64: Istaandardii dura bu'oota Manneen Barnootaa sadarkaa 2ffaa fi qophaa'inaa



Madda: Büroo Barnoota Oromiyaa, 2012

Istaandardii Suupprevaayzerota manneen barnoota sadarkaa 1ffaa (1-8) istaandardii gaafatu digrii fi isaa ol guutan 2007 %43.5 irra kan ture 2012 %100 irraan gahuuf karoorfamee ture keessaa raawwiin %87.9 guddatee jira. Suuppervaayzerota manneen barnootaa sadarkaa 2ffaa istaandardii digrii 2ffaa fi isaa ol guutan 2012 %100 iraan gahuuf karoorfamee ture keessaa raawwiin suppervaayzerootaa istaandardii guutan %82.7 irratti argamu.

Gabatee 2.40: Istaandardii dura bu'oota fi Suuppervaayzeroota Manneen Barnootaa

Bara	Istaandardii Dura bu'oota M/B guutan %							
	Karoora				Raawwii			
	Dura Bu'ootaa fi Sup CRC				Dura Bu'ootaa fi Sup CRC			
	Sad 1ffaa	Sad 2ffaa	Supp CRC	Supp 2ffaa	Sad 1ffaa	Sad .2ffaa	Supp CRC	Supp 2ffaa
2007	15.5	9.2	43.5	44.5				5.4
2008	41.2	31.1	56	60	23.2	12.8	60.5	21.5
2009	60.9	60.7	67.9	70	27.1	13.3	71.5	60.5
2010	76.6	73	79.1	85	53.1	24.5	85.2	74.6
2011	89.4	87.9.	89.8	95	36.3	44.2	86.2	77.5
2012	100	100	100	100	70.5	68.5	87.9	82.7

Madda: Biiroo Barnoota Oromiyaa, 2012

G. Kenninsa Hayyama Oogummaa Barsiisummaa fi Hooggansa Barnootaa

Hoggantoonni manneen barnootaa gahumsaan hoogganuu akka danda'aniif gahumsi isaanii madaalamee hayyama oogummaa hoogganummaa argachuun isaanii barbaachisaa dha. Yeroo yeroon gahumsa hooggantoota manneen barnootaa madaaluun hayyama oogummaa kennuuf hooggantoota manneen barnoota 6,413 qoruuf karoorfame keessaa kan qoraman hooggantoota manneen barnoota 4,547 yoo ta'an, kanneen darban immoo hooggantoota M/B 705 (%11.02) qofaa dha. Hooggantoota M/Barnootaa hayyama Gahumsa Oogummaa fudhatan 2007 %27 irra kan ture 2012 %100 irraan gahuuf karoorfame keessaa raawwiin %7.4 irratti argama.

H. Tajaajila TQO

Barnootaa Teknoolojii ammayyaan deeggarame babal'isuun barattoota dandeettii fi gahumsa qaban horachuuf manneen barnoota sadarkaa 1ffaa (1-8) sagantaa barnoota raadiyoonii fayyadaman 2007 %89.4 irra kan ture 2012 gara %99 irraan gahuuf karoorfamee ture keessaa raawwiinsaa %82.14 gad-bu'ee jira.

Kanaafuu, Taajaajilli tamsaasa sagantaa raadiyoonii manneen barnoota sadarkaa 1ffaa kan xumura KGT-I irraatti %7.26 gad-hir'isee manneen barnootaa hundi tajaajila wal-fakkaataa argachuu dhabuu fi rakkoon qul-qullina sagalee mudate hiikuuf buufataa fi Istiidiyoo jiran cimsuun sirna barnoota raadiyoo nii manneen barnootaa hunduu dhaqabamaa ta'e akka argatan gochuun barbaachisa dha. Gama biraatiin manneen barnootaa sadarkaa 1ffaa (1-8) tajaajila kompiiteraa fayyadaman 2007 %10 irra kan ture 2012 %50 irraan gahuuf karoorfamee keessaa raawwiin hanga 2011 %5.7 qofa irratti argama. Tajaajila barnoota pilaazmaa manneen barnoota sadarkaa 2ffaa fi Qophaa'inaa keessatti fayyadaman 2007 %47.7 irra kan ture 2012 %98 irraan gahuuf karoorfamee ture keessaa raawwiin %56 irra gahee jira.

Manneen barnoota sadarkaa 2ffaa (9-12) kompiiteera fayyadaman 2007 %40 irra kan ture 2012 %98 irraan gahuuf karoorfamee ture keessaa raawwiin %34.38 qofa irratti argama. Manneen barnoota sadarkaa 2ffaa (9-12) tajaajila interneetii argatan 2007 %24.4 kan ture 2012 %75 irraan gahuuf karoorfamee ture keessaa raawwiin hanga 2011 %13.37 irratti argama.

Kanaafuu, Manneen barnoota sadarkaa 2ffaa (9-12) keessatti raawwiin uwwisa kompiiteraa fi tajaajila interneetii baayyee gad-aanaa waan ta'eef barnoota Teknoolojii ammayyaan deeggaruuf tajaajjilli kompiiteraa fi interneetii iddoo hin jirreetti barnoonni kennamu garaagarummaa manneen barnootaa gidduutti waan uumuuf walgitinsa barnootaa eegsisuuf karoora tarsiimoo keessatti dhimma furmaata addaa barbaadu ta'uu agarsiisa.

I. Hiraawwan(Ratio) Adda Addaa

Hira barataa-kitaabaa manneen barnoota sadarkaa 1ffaa, 2ffaa fi qophaa'ina keessatti xumura KGT-II keessatti barataan tokko kitaaba tokko harkatti argatee barnoota isaa akka hordofuuf hojiin maxxansaa fi raabsaa kitaaba barataa, qajeelcha barsiisaa,

silabasii, kitaabilee wabii fi kkf raawwatamaa turus manii karoorfame milkeessuu hin dandeenye. Kana irraa kan ka'e sadarkaa hundattuu barataan kitaaba mataa isaatti argachuu waan hin dandeenyeef giddugaleessaan barataan kitaaba tokko lamatti ykn 2:1 akka fayyadaman taasifamee jira.

Kanaafuu, karoora tarsiimoo keessatti maxxansaa fi raabsa kitaabilee sadarkaa 1^{ffaa} barataa hunda biraa gahuuf akka hojjetamuu qabu ta'ee; kan sadarkaa 2^{ffaa} fi qophaa'inaa keessatti kanneen hanqina qaban guutuu fi baayina barattootaa waggaa waggaan dabalaa deemu giddugaleessa godhachuun kitaabolee gahaa ta'e qopheessuun murteessaa ta'a.

Hira barataa-barsiisaa sadarkaa 1^{ffaa} (1-8) keessatti barsiisaan tokko giddugaleessaan barattoota 50 akka barsiisuuf taa'een raawwiin giddugaleessaan barsiisaan tokko barattoota 75 ykn 75:1 barsiisaa kan jiru ta'uu agarsiisa. Manneen barnoota sadarkaa 2^{ffaa} (9-12) keessatti barsiisaan tokko giddugaleessaan barattoota 40 akka barsiisuuf istaandardii taa'een raawwiin giddugaleessaan barattoota 68 akka barsiisaa jiran agarsiisa. Reeshoon taa'e kana yoo xiinxalamu kuufamni barsiisota sadarkaa kanatti waan baay'atu fakkeessa. Haa ta'u malee Barsiisota kana oogummaa fi gosa barnoota isaan ittiin eebbifamanii fi barsiisaa jiran yoo xiinxalamu ammayyuu hanqinni guddaan jiraachuu agarsiisa.

Hira barataa-daree manneen barnoota sadarkaa 1^{ffaa} (1-8) keessatti daree tokko keessa barattoota 50 akka barataan istaandardii taa'een raawwiin giddugaleessaan daree tokko keessa barattoota 75 akka barachaa jiran yoo agarsiisu manneen barnoota sadarkaa 2^{ffaa}(kutaa 9-12) keessatti daree tokko keessa barattoota 40 akka baratan istaandardii taa'een raawwiin jiru giddugaleessaan daree tokko keessa barattoota 68 akka barachaa jiran kan agarsiisudha.

Kanaafuu, hanqinni daree manneen barnootaa sadarkaa hunda keessatti haala hammaataa keessa jiraachuusaa kan agarsiisu barattoonni daree tokko keessa humnaa ol baay'atanii barachaa kan jiran ta'uu irraa kan ka'e barnoonni kennamu illee qul-qullina barbaadamu fiduu waan hin dandeenyeef karoora tarsiimoo keessatti ijaarsaa daree dabalataa fi Pirojeektota barnootaa eegalamanii osoo hin xumuramiin jiran atattamaan akka xumuramanii tajaajila kennan gochuun murteessa dha. Akkasumas qul-qullina barnootaa mirkaneessuuf manneen barnootaa fi Naannoo barnootaa mijataa taasisuu, hanqina barsiisotaa, hanqina kitaaba barataa fi

daree barnootaa baayina barattoota yeroo dhaa yerootti dabalamu faana daree barnootaaf mijataa gochuun tumsa kanneen barbaadanidha.

J. Faasiliitiiwwan Dhaabbilee Barnootaa

Bu'uralee misoomaa fi faasiliitiiwwan manneen barnootaa guutuun naannoo mana barumsaa hawwataa fi mijataa taasisuu dha. Haaluma kanaan, mana Fincaanii dhaabbilee barnoota sadarkaa 1^{ffaa} 14,937 keessaa 13,901 (%93.1) fi kan sadarkaa 2^{ffaa} (9-12)1,278 keessaa 1,226 (%95.9) mana fincaanii kan qaban yoo ta'u, manneen barnoota sadarkaa 1^{ffaa} 1,036 fi sadarkaa 2^{ffaa} 52 waliigala manneen barnoota 1,088 mana fincaanii kan hin qabne ta'uu ni mul'isa.

Gama dhiheessii bishaaniitiin manneen barnoota sadarkaa 1^{ffaa} 14,937 keessaa 4,241(%28.4) fi sadarkaa 2^{ffaa} (9-12) 1,278 keessaa, 718 (%56.2) tajaajila bishaanii kan qaban yoo ta'u, manneen barnoota sadarkaa 1^{ffaa} 10,696 fi sadarkaa 2^{ffaa} 560 waliigala manneen barnoota 11,256 dhiheessii bishaanii kanneen hin qabne ta'uu mul'isa.

Tajaajilaa Ibsaa dhaabbilee barnoota sadarkaa 1^{ffaa} 14,937 keessa ibsaa qaban 3,989 (%26.7) fi sadarkaa 2^{ffaa} (9-12) 1,278 keesaa 977 (%76.4) tajaajila ibsaa kan qaban yoo ta'u, manneen barnoota sadarkaa 1^{ffaa} 10,948 fi sadarkaa 2^{ffaa} 301 waliigala manneen barnootaa 11,249 tajaajila ibsaa kan hin qabne ta'uu mul'isa. Kanaaf, karoora itti aanuu keessatti dhimma xiyyeeffannaan irratti hojjetamuu qabu dha.

Tajaajila Mana Dubbisaa dhaabbilee barnoota sadarkaa 1^{ffaa} 14,937 keessaa manneen barnoota 6,941 (%46.5) fi sadarkaa 2^{ffaa} (9-12) 1,278 keessaa manneen barnootaa 1,024 (%80.1) tajaajila mana dubbisa yoo argatan, manneen barnoota sadarkaa 1^{ffaa} 7,996 fi sadarkaa 2^{ffaa} 154 waliigala manneen barnoota 8,250 tajaajila mana dubbisaa kan hin qabne ta'uun qul-qullina barnootaa irratti dhiibbaa qabaachuu agarsiisa.

Tajaajila Mana Yaalii dhaabbilee barnoota sadarkaa 1^{ffaa} 14,937 keessaa 1,858 (%11.1) fi sadarkaa 2^{ffaa} (9-12) 1278 keessaa 1,024 (%80.1) tajaajila mana yaalii

kan qaban yoo ta'u, manneen barnoota sadarkaa 1ffaa 11,189 fi sadarkaa 2ffaa 254 waliigala manneen barnoota 11,443 mana yaalii kan hin qabne ta'uu agarsiisa.

Kanaafuu, manneen barnoota sadarkaa 1ffaa keessatti gama dhiheessii bishaanii, tajaajila ibsaa, tajaajila mana dubbisaa fi tajaajila mana yaalii qaban raawwiin jiru gad-aanaa waan ta'eef hojii kana milkeessuuf hirmaannaa fi deeggarsi qooda fudhattootaa murteessaa waan ta'eef karoora tarsiimoo keessatti qindoomina uumuun faasiliitiiwwan manneen barnootaa guutuun milkaa'ina qul-qullina barnootaa keessatti qooda akka qabaatu taasisuun murteessa ta'uu agarsiisa.

2.4.2.Misooma Fayyaa

Tattaaffiin gama eegumsa fayyaatiin taasifamu galmoota gurguddoo (major goals) sadi mirkaneessuufidha. Isaanis umri jireenyaa (life expectancy) hawaasaa fooyyessuu, du'aatii haadholee (maternal mortality) xiqqeessuu fi du'aatii daa'immanii (infant and child mortality) xiqqeessuudha. Galmoota kana dhugoomsuuf hojiiwwan hojjetaman keessaa kanneen damee fayyaatiin alattis hojjetaman jiraatanus, kallattiidhaan hojiiwwan damee fayyaatiin hojjetaman dhibee dursanii ittisuu fi waldhaansa dhibeedha. Ittisni dhibeewwanii tarsiimoo yeroo dheeraa damee fayyaa yammuu ta'u hojiiwwan akka eegumsa fayyaa naannoo, ittisa dhibeewwan daddarboo, fooyya'insa sirna nyaataa, tajaajila karoora maatii, tajaajila fayyaa haadholee fi talaallii daa'immanii eksiteenshinii fayyaatiin dabaalamanidha. Galteewwan kanaaf barbaachisan babal'ina dhaabbilee fayyaa,qophii fi bobbii ogeessa fayyaa, dhiyeessii qorichaa fi meeshalee waldhaansaa ofkeessatti hammatu. Haaluma kanaan raawwii misooma fayyaa KGT-II milkaa'ina galmoota isaa irraa ka'uun kan gamaaggamamu ta'a.

1. Raawwii Galmoota Misooma Fayyaa [4]

A. Du'aatii Haadholee Hir'isuu

Akka ragaa EDHS 2016 (2011) haadholee daa'ima lubbuu qabu dahan 100,000 keessaa 420 lubbuun isaanii ni darba ture. Hanga xumura 2012 du'aatii haadholee kana gara 199 gad-hir'isuuf maniin taa'eera. Akka gabaasa Dhaabbata Fayyaa Addunyaa (WHO)2019 ALA argisiisutti 2012 du'aatiin haadholee gara 353 gad-bu'ee jira. Kun waggatti giddugaleessaan %5.63 fooyya'aa (hir'achaa) dhufuu isaa ni agarsiisa. Kuni manii taa'e wajjiin walbiratti yammuu ilaallamu raawwiin isaa baayyee dadhabaa (%39) akka ta'e ni mul'isa.

Giraafii 2.65: Du'aatii haadholee naannoo Oromiyaa



Madda: EDHS 2000-2016 fi WHO 2019

Akkataa qorannoon gara garaa agarsiisutti du'aatii haadhaliif sababa kan ta'an dhangala'uu dhiigaa (hemorrhage)%25, pre-eclampsia/eclampsia %16, infeekshinii %10% fi ulfa baasu %10 qabata. Akka qorannoon EmONC 2018 ba'e agarsiisutti caalmaan du'aatiin kun kan qaqabu erga da'aanii booda sa'aatii jalqabaa 24 keessatti akka qaqqabudha.

[4] *Galmoota fayyaa keessaa ragaa umrii jireenyaa argachuu waan hin danda'amneef gamaaggama kana keessatti xiinxalli isaa hin gaggeeffamne*

B. Du’aatii Daa’immanii Hir’isuu

Du’aatii daa’immanii xiqqeessuuf waggoottan darban kana keessatti hojiin guddaan hojjetamaa tureera. Haaluma kanaan, rawwii KGT-II keessaattii du’aatiin daa’imman waggaa shanii gadii (under-5 mortality rate) lubbuun dhalatan 1,000 keessaa 79 du’aa turan 2012 30 gad-buusuuf karoorafamee 55 si’a ta’u karoora irraa %49 qofatu raawwatee jira, du'aatii daa'imman waggaa tokkoo gadii (infant mortality) 60 irra ture 20 gad-buusuuf karoorfamee 43 (karoora keessaa %42.5) kan gad-bu’e yoo ta’u, du'aatii daa'imman reef dhalatanii (neonatal mortality) 37 irra ture 10 gad-buusuuf karoorfamee ture keessaa 30 gad-bu’ee jira.

Giraafii 2.66: Du’aatii daa’immanii naannoo Oromiyaa



Madda: EDHS 2000-2019

Akkuma giraafiin kanaa oliirratti hubachuun danda’amutti, tireendiin du’aatii daa’immanii hir’ichaa kan deeme yoo ta’u gama galma karoorichaatiin yoo ilaalle garuu milkoofnnee hin jirru. Haata’u malee, du’aatii daa’immanii kana xiqqeessuuf, sagantaaleen haaraan jijjiirama fiduu danda’an kanneen akka sagantaa kunuunsa daa’imman reefu dhalatanii (CBNC), yaala qindaa’aa daa’imman waggaa 5 gadii (iCCM) sadarkaa hawaasaatti, yaala qindaa’aa daa’imman waggaa 5 gadii (IMNCI)

sadarkaa buufata fayyaattii fi kenniinsa tajaajila yaala cimaa daa'imman reef dhalataniif kennamu (NICU) sadarkaa hospitaalaatti hojii irra oolaa turaniiru.

Gama biraatiin, du'aatii daa'immaniif sababa kanneen ta'an keessaa isaan gurguddoon dahumsa umurii ji'a sagalii gadii (Preterm birth complications ykn prematurity) %26, rakkoo yeroo da'umsaa (Intra partum complications including birth Asphyxia) %30, Seepsisii %18, Niimoniyaa %8, rakkoo uumama yeroo ulfaa (congenital anomalies) %11 fi dhibeewwan biroo %7 akka gumaachaniidha.

C. Tajaajila Karoora Maatii

Du'aatii haadholii fi daa'immanii xiqqeessuu keessatti tajaajilli karoora maatii, tajaajilli fayyaa haadholee dahumsa duraa, yeroo dahumsaa fi dahumsa booda ogeessa fayyaatiin kennamu, akkasumas talaalliiwwan adda addaa gumaacha guddaa qabu. Bu'uruma kanaan, tajaajilli karoora maatii dabalaa dhufuu isaa giraafii kanaa gaditti jiru irraa hubachuun ni danda'ama.

Giraafii 2.67: Uwwisa Tajaajila Karoora Maatii



Akkuma giraafii olii irraa hubachuun danda'amutti, uwwisa tajaajila karoora maatii yeroo EDHS 2016 keessa %28.1 irra kan ture yeroo EDHS 2019 keessatti gara %38.9 ol-guddatee jira. Raawwiinsaa waggatti giddugaleessaan % 11.5 dabalaa dhufee jira. Tajaajilli kun kan naannolee biroo fi magaalota lammanii wajjiin walbiratti yammuu ilaallamu, raawwiin Oromiyaa kan biyyooleessaatiin gadi ta'us sadarkaa 4ffaa irratti akka argamtu ni mul'isa.

D. Tajaajila Fayyaa Haadholee

Uwwisni kunuunsa haadholee dahumsa duraa (ANC) 2008 %50.7 irra ture xumura 2012 irratti gara %90 ol-guddisuuf maniin taa'ee jira. Akka ragaan Mini EDHS 2019 agarsiisutti 2011 tajaajilli kun gara %70.8 guddatee jira. Kana jechuun, uwwisni tajaajila kanaa waggatti giddugaleessaan %11.8 dabalaa dhufee jira. Haala kanan raawwiin bara %40.6irra jira. Kuni manii gadi haa ta'u iyyuu malee manii fi kan 2008 wajjiin walbiratti yammuu ilaallamu hanqina %11 agarsiisee jira. Tajaajila dahumsaa ogeessa fayyaatiin kennamuun itti fayyadaman (delivery assisted by skilled provider) naannoo Oromiyaa 2008 (EDHS 2016) %19.7 irra kan ture. Xumura KGT-II irratti gara %90 ol-guddisuuf maniin taa'eera. Tajaajilli kun 2011 keessaa gara %43.7 ol-guddachuu isaa ragaan Mini EDHS 2019 ni argisiisa. Kana jechuun tajaajilli kun bara-baraan giddugaleessaan fooyya'insi %30.4 kan galmaa'e ta'uu isaati. Haala kanaan yoo ittifufe tajaajilli kun 2012 %59 irra ni ga'a jedhamee tilmaamama. Kuni manii 2012 irra gahama jedhame %90 irra gahuuf hojiin guddaan akka hafu ilaaluu barbaachisa.

Giraafii 2.68: Tireendii raawwii tajaajila haadholee



Madda: EDHS 2000-2019

Bifuma wal-fakkaatuun dahumsi dhaabbata fayyaa keessatti taasifamu 2008 (EDHS 2016) %18.8 irra ture waggoota sadi keessatti gara %40.9 guddatee jira. Kunis fooyya'insi waggaa-waggaan giddugaleessaan %29.6 ta'u argamuu isaa agarsiisa. Haala kanaan yoo ittifufe xumura 2012 tajaajilli kun %53 irra ni ga'a jedhamee tilmaamameera.

Tajaajila kuunsa dahumsa boodaa (PNC) ilaalchisee, xumura 2012 %100 irra akka gahu maniin taa'ee jira. Tajaajilli kun 2008 (EDHS 2016) % 8.4 irraa kan ture yammuu ta'u 2011 (Mini EDHS 2019) %26.1 irra gahee jira. Yoo haala kanaan ittifufe fooyya'insa waggaa waggaan %46 galmeessisuudhaan 2012 %80 irra gahee jira.

Walumaagalatti, tajaajilli fayyaa haadholee yeroo gara yerootti fooyya'aa haa dhufuu malee, gama tokkoon manii wajjiin walbiratti yammuu ilaallamu gar-malee gad-aanaa ta'uun isaa, gama biraatiin ammoo naannolee biyyittii fi magaalota lamman wajjiin walbiratti yammuu ilaallamu raawwiin Oromiyaa sadarkaa 6^{ffaa} hanga 9^{ffaa} keessatti kan argamtu ta'uun isaa hubatamuu qaba.

Giraafii 2.69: Birqaba (comparison) Tajaajila Fayyaa Haadholee Oromiyaa, Naannolee, fi Biyyaalessaa



E. Talaallii Daa'immanii

Du'aatii daa'immanii xiqqeessuuf tajaajiloota kennaman keessaa inni tokkoo fi murteessaan tajaajila talaalliiti. Talaalliiwwan gosa adda addaa daa'imman waggaa 2 gadii ta'aniif walumaagalatti hanga doozii 14 kan kennaman yammuu ta'u, daa'imman waggaa 2-4 jiraniif ammoo talaalliin farra gifiraa (measles) dooziin tokko dabalataan ni kennama. Haa ta'uu malee talaallii guutuu (all basic vaccinations) jedhamee kan beekanu talaallii BCG, DPT (Hep B-Hib) 1-3, pooliyoo 1-3 fi talaallii farra gifiraa (measles) jalqaba of-keessatti kan hammate yammuu ta'u daa'imman yoo xiqqaate talaallii guutuu jedhamu kana fudhachuu qabu. Gama kanaan, uwwisa talaallii guutuu 2008 (EDHS 2016) %24.7 irra ture 2012 %89 irraan gahuuf karoorfameera. Akka ragaan Mini EDHS 2019 agarsiisutti 2011 uwwisni kun %29.9 irra gahee jira. Ragaa kana bu'ura godhachuun fooyya'insa waggaa waggatti giddugaleessaan %6.6 qofatu galmaa'aa jira. Haala kanaan yoo itti fufe 2012 uwwisni talaallii guutuu kun %30 irra gahuu danda'eera. Kanaafuu manii taa'e bira gahuun hin danda'amu. Haa ta'uu malee daa'imman talaallii hin fudhannee gad-bu'aa dhufee jira.

Giraafii 2.70: Tireendii talaallii guutuu fi daa'imman gonkumaa talaallii hin fudhannee



	EDHS 2000	EDHS 2005	EDHS 2011	EDHS 2016	EDHS 2019
Talaallii guutuu	9.8	20.2	15.6	24.7	29.9
Gonkuma kan hintalaala min	14.9	25.5	19.4	21.4	18.9

Madda: EDHS 2000-2019

Raawwii talaallii kana kan naannolee biroo fi magaalota Finfinnee fi Dirre-Dawaa wajjiin walbiratti yammuu ilaallamu Oromiyaan sadarkaa 9ffaa irratti argamti. Kanaafuu, raawwiin gama daa'imman talaalchisuutiinis ta'e talaallii guutuu akka fudhatan taasisuutiin jiru ija manii taa'eenis ta'e kan raawwii naannolee biroo wajjiin walbiratti yammuu ilaallamu baay'ee dadhabaa akka ta'e ni hubatama .

Giraafii 2.71: Uwwisa talaallii guutuu Oromiyaa fi naannolee biyyattii walbiratti



Madda: Mini EDHS 2019

2. Sagantaa Eksiteenshinii Fayyaa

Tarsiimoo karoorri hojii eegumsa fayyaa ittiin hojiirra oolaa ture keessaa inni tokkoo sagantaa eksiteenshinii fayyaati. Hojii kana galmaan gahuudhaaf hojjettoonni eksiteenshiinii fayyaa 15,176 (Baadiyaa 14,243 fi maagaala 933) leenji'aanii qaxaramuun gandootii Baadiyaa fi maagaalaa keessatti sagantaalee eksiteenshinii fayyaa duraan 16 ture amma 18 guddatee hojiirra akka oolu hawaasa gargaaruun hojjechaa jiru. Hojii hanga yoonaatti hojjetameenis gama ittisa fayyaatiin bu'aan qabatamaan galmaa'ee jira. Haata'u malee, rakkoowwan sagantaa kana qunnamaa jiran keessaa bu'aa qabeessummaa fi gahumsa hojjettoota eksiteenshinii fayyaa (challenges of productivity and efficiency of health extension workers), haala hojii fi jireenyaa HEF, humna kellaa fayyaa (capacity of health posts) fi rakkoo hawaasummaa (amanataa, sirna nyaataa fi qonnaa, diinagdee, barnootaa, aadaa fi barsiifataa, bishaanii fi siyaasaa) isaan ijoo akka ta'an

qorannoowwan adda addaa ni mul'isu. Rakkoowwan kana amma tokko furuuf, sagantaa paakeejii eksiteenshinii fayyaa dhaloota lammaffaa hojii irra oolchuuf kallattii akka biyyaatti kaa'ameen yeroo ammaa kana kellaawwan fayyaa gandoota Baadiyaa keessa jiran irraa bifa adda ta'ee fi tajaajiloota bu'uraa kanaan dura Hojjettoota Eksiteenshiinii Fayyaa (HEF) sertifikkeettii qabaniin hojjetamaa ture gara hojjettoota eksiteenshinii fayyaa leevel IV qabanii fi oogummaa kanneen akka narsii deessistuu fi ogeessota biroo dabalateen tajaajila qindaa'aa kennuuf haala dandeessisuun dhaabbileen fayyaa ijaaramaa kan jiran dha.

A. Eegumsa Fayyaa Naannoo

Hojiin qul-qulinaa dhunfaa fi eegumsa fayyaa nannoo dhibee daddarbaa ittisuu fi to'achuudhan fayyuummaa hawaasa mirkaneesuu keessatti gahee ol-aanaa qaba. Gama kanaan ijaarsii fi itti fayyadamni kana fincaanii sadarkaa isaa eeggatee fi diree irratti bobba'uu (ODF/open defecation free) irra bilisa gochuun isaa gorguddoodha. Haaluma kanaan, itti fayyadamni mana fincaanii sadarkaa isaa eeggate 2007 %75 irra ture %100 irraan gahuuf karoorfame akka ragaan Biiroo Eegumsa Fayyaatiin %49 kan gad-bu'e yoo ta'u gandoonni Baadiyaa bobbaa ykn boolii irraa bilisa ta'an 2007 %28 irra ture %32 irratti argama. Giraafii 2.72: Mana fincaanii sadarkaa isaa eeggate



Madda: BEFO

Sababni jireenyii fi itti fayyadamni mana fincaanii sadarkaa isaa eeggate gad-bu'aa deemeef, meeshaaleen manneen fincaanii ittiin ijaaraman jabinaa fi qul-qullina kan hin qabne ta'uu, yeroo gannaa rooba cimaa fi lolaa hamaatiin diigamuu fi sadarkaan isaanii gad-bu'uu fi ulaagaan mana fincaanii foyya'ee baheen irra deebi'amee yeroo madaalamuu sadarkaan gad-bu'uu dha.

B. **Dhaabbilee Fayyaa Paakeejiiwwan Wash Guutuu Qaban**

Uwwisa dhaabbilee fayyaa paakeejiiwwan 'WASH' guutuu qaban %40 irraa gara %60 ol-guddisuuf karoorfamee ture guutumaa guutuutti raawwatamee jira. Haata'u malee, dhaabboleen fayyaa %40 ta'an paakeejiiwwwan WASH guutuu waan hin qabneef karoora itti aanu keessatti hojjetamuu kan qabudha.

C. **Hooggansa Balaa Tasaa Fayyaa Hawaasaatiin Walqabatee Fooyyessu**

Gabaasa faana dhawiinsa dhukkubaa torbee guutuu fi yeroo isaa eeggate %85 irra jiru gara %95 ol-guddisuuf karoorfamee ture keessaa dhuma KGT-II irratti %89 irra gahee kan jiru yoo ta'u, shakkamtoota dhibee laamshessaa (NP-AFP) daa'imman umuriin isaanii waggaa 15 gadii 100,000 keessaa 2008 adda baafamee ture dhuma KGT-II irratti immoo %2.2 fi shakkamtoota dhibee gifiraa (Measles) uummata 100,000 keessaa 2.1(4.6%) adda baafamee jira.

3. **Ittisaa fi To'annoo Dhibeewwan Daddarboo**

A. Ittisaa, To'annoo fi Waldhaansa HIV/AIDS

Hojii ijoo sektera fayyaa kan ta'e keessaa inni tokko dhibeewwan daddarboo ittisuu fi yaaluudha. Haaluma kanaan, baroottan darban ittisaa fi to'annoon HIV/AIDS akkasumas tajaajilli kunuunsaa fi wal'aansaa namoota dhukkuba AIDS tiin qabaman xiyyeeffannoon hojjetamaa tureera. Bu'uruma kanaan, 2007 tajaajila qorannoo dhiigaa namoota mil 3.4 taasifamee ture dhuma 2012 gara mil 16 ol-guddisuuf karoorfamee namoonni 13,625,419 (85%) ta`an tajaajila kana argatanii kanneen keessaa namoota 58,110 (% 0.4) dhiiga isaanii keessatti HIV argamee jira. Bara 2007 namoota HIV haaraa qabaman %0.03 ture gara dhuma 2012 %0.01 gad-buusuuf karoorfamee 0.63 ol-ka'ee jira.

B. Ittisaa fi To'annoo Dhukkuba Daranyoo Sombaa fi Juzaamii

Dhibeen daranyoo sombaa dhibeewwan dhiibbaa fayyaa cimaa hawaasa keessaa isa tokkoo dha. Bu'uruma kanaan, waggoottan darban keessa raawwiin dhukkubsattoota dhibee TB addaan baafachuu kan fooyya'aa dhufe ta'us itti gala akka biyyaatis ta'e akka addunyaatti kaa'ameen walbira qabamee yoo ilaalamu ammas hojii baay'een kan hafu ta'uu isaa agarsiisa. Uwwisa dhukkubsattoota daranyoo sombaa (TB) yaalanii fayyan (cure rate) bara 2007 %84 irra ture %90 irraan gahuuf karoorfamee ture keessaa %90 irra gahee jira. Bifuma wal-fakkatuun

namoota 100,000 keessaa 224 dhibee TB haaraan qabamaa turan 2012 gara 157 gad-buusuuf karoorfamee ture keessaa 151 gad-bu'ee jira.

Dhukkubsatoota Juuzamii adda bahanii qoricha jalqaban jalqaba KGT-I %86 irra ture xumura KGT-II %90 karoorfamee ture keessaa %68 irra kan jiru yoo ta'u, miidhama qaamaa sadarkaa 2^{ffaa} (Grade 2 Disability) sababa dhukuba Juuzaamiin dhufu % 11 irra ture dhuma KGT-II gara %3 gad-buusuuf karoorfamus raawwiin yeroo ammaa % 8 irra jira. Raawiin kun haala barbaadameen gad-bu'aa waan hin jirreef dhimma xiyyeeffannoo barbaadudha.

C. Ittisaa fi To'annoo Dhibee Busaa

Dhibeen busaa dhukkuboota daddarboo keessaa rakkoo fayyaa uummaa isa ol-aanaadha. Busaan lafa naannichaa keessaa %75 fi aanaalee 246 ol-ta'an keessatti kan argamtuu fi uummanni 23,307,760 (%68) ta'u naannoo dhibee buusaaf saaxilame keessaa kan jiraatu ta'us dukkub sattonni dhibee busaa baraa baratti gad-bu'aa kan dhufee dha. Haaluma kanaan, baay'ina dhukkubsattoota dhibee busaa xumura 2007 244,809 ture dhuma KGT-II %75 gadi xiqqeessuuf karoorfamee yeroo ammaa kana 162,074 (%34) hir'a tee jira.

Giraafii 2.73: Dhukkubsattoota dhibee busaa baroota darbanii (BEFO)



Bifuma wal-fakkaatuun, du'aatii sababa busaatiin dhufu 2008 54 irra kan ture 2012 gara 0.3 gad-bu'ee jira. Haata'u malee, 2012 kana garuu tireendiin dukkubsattootaa dabalaa akka jiru waan agarsiiseeef dhimma xiyyeeffannoo barbaadudha.

Giraafii 2.74: Tirendii du'aatii dhibee busaan qaqqabuu



Madda: Biiroo Eegumsa Fayyaa Oromiyaa, 2012

4. Kenninsa Tajaajila Wal'aansaa

A. Tajaajila Waldhaansa Deddeebiin Yaaluu (OPD Service)

Reettii deddeebiin yaalamuu (OPD per Capita) dhuma KGT-I 0.5 irra kan ture dhuma KGT-II gara 1 ol- guddisuuf karoorfamee ture keessaa 0.6 irra kan jiru yoo ta'u rawwiin gad-aanaa ta'uu kan nutti agarsiisu yoo ta'u, ammallee hawaasiin dhaabbilee fayyaatti fayyadamaa akka hin jirre kan mul'isudha.

Giraafii armaan-gadii irraa hubachuun akkuma danda'aumutti raawwiin dabalaa kan deeme ta'us galma karoorfame bira garuu hin geenye waan ta'eef hojii manaa karoora itti aanuu ta'a.

Giraafii 2.75: Tireendii OPD per Capita 2008-2012 (BEFO)



Madda: Biiroo Eegumsa Fayyaa Oromiyaa, 2012

B. Tajaajila Wal' Aansa Ciibsanii Yaaluu (IPD SERVICE)

Tajaajillii wal'aansaa ciibsanii yaaluu hojii ijoo dhaabbilee fayyaa keessatti gaggeeffamu keessaa isa tokkodha. Haalli qul-qullina tajaajila kanaa kan ittiin madalamu, baay'inaa namoota 10,1000 keessaa hama ciisanii yaalaman (admission rate per 10,1000), Reettii qabamiinsa siree (BOR), giddugaleesan guyyaa turtii ciibsanii yaaluu (ALOS), Infeekshinii bakkaa qaama baqaffamee 'SSI' isaan muraasa dha. Haaluma kanaa, Reettii ciibsanii yaaluu (admission rate per 10, 1000), KGT-II keessaa namoota 276 (%2.76) irra kan gahee yoo ta'u, itti fayyadama siree (BOR) 2007 %66 kan ture 2012 80 irraan gahuuf karoorfame keessaa 42 gad-bu'ee jira. Kunis karoora KGT-II irratti qabame (%80) waliin walbira qabnee yammuu ilaallu itti fayyadamni siree naannoo keenyaa irratti hojjechuu kan nu gaafatu ta'a. Sababani gad-bu'insa raawwii kanaa itti fayydamni siree dhaabbilee fayyaa naannoo magaalaatti gaarii ta'us, hospitaalota naannoo baadiyaatti sababa yaalii addaa(speciality) fi ogeessa ol-aanaa waan hin guuttamneef itti fayyadamni isaa gad-aanaa ta'uu danda'ee jira.

Giraafii 2.76: Tajaajila IPD



Madda: Biiroo Eegumsa Fayyaa Oromiyaa, 2012

5. Hirmaannaa Hawaasaa Fooyya'e

Qooda fudhannaa hawaasni maallaqaan sektera fayyaatiif dhuma KGT-I irratti gumaachaa ture qr 44,506,521 ture gara qr 75,000,000 guddisuuf karoorfamee ture keessaa qr 115,000,143 uummata irraa walitti qabamee baay'inaan bittaan Ambulaansii raawwatee jira. Dabalataanis, bara karoora darbee kana keessatti hirmaannaa hawaasaatiin kellaan fayyaa 71 kan ijaaraman yoo ta'u kellawwan fayyaa 164 suphamanii jiru.

6. Dhiyeessii fi Bulchiinsaa Qabeenyaa Fooyyessuu

Yeroo ammaa kana godinaalee 12 PFSA fi godinaalee saddeet immoo Biiftuu Aduynaaf kennamee haaluma waliigaltee buufataalee fayyaa godinaalee naannoo keenya keessa jiraniif, qorichaa fi meeshaalee yaalaa raabsamaa turaniiru.

Dhaabbilee kanneenitti fayyadamuun dhiheessi qorichootaa fi ri'ejentii laaboraatoorii barbaachisoo ta'an sadarkaa hospitaalaatti %80 irra ture dhuma KGT-II %100 irraan gahuuf fi dhiheessii qorichoota fi ri'ejentii laaboraatoorii barbaachisoo ta'an sadarkaa tajaajila fayyaa bu'uraatti %70 irraa ture gara %95 guddisuuf karoorafmee ture keessaa rawwiin isaa wal-duraa duubaan %87 fi %79 irra gahee jira. Raawwiin kunis jajjebeessaa ta'us fedhii uummataa yeroo hunda jiru guutuu fi karoora KGT-II galmaan gahuuf qabame waliin yoo ilaalamu dhiheessiin qorichoota barbaachisoo ta'an yeroodhaa gara yerootti dabalaa dhufee jira.

Gama biraatiinis dhaabbilee fayyaa keenyaaf meeshaalee yaalaa akkaataa istandaardii jiruun guuttatan %80 irraan gahuuf karoorfame hospitaalota 96 (%100) meeshaaleen yaalaa akkataa istaandardii taa'een guutameefii jira.

7. Inshuraansii Fayyaa Hawaasaa

Inshuraansiin Fayyaa Hawaasa naannoo keenya aanaalee hundaa waliin gahuuf karoorfame hanga dhuma 2011 aanaalee 242 fi bulchiinsa magaalotaa 5 (%73.5) keessatti dhaabbatee jira. Akkasumas miseensa inshuraansii fayyaa hawaasaa %80 irraan gahuuf karoorfamee ture keessaa %35 irra kan gahe ta'us raawwii gad-aanaa waan ta'eef ammallee hojii manaa ta'ee kan itti fufu ta'a.

Gabatee 2.41: Misoomaa fi Hooggansa Qabeenya Humna Namaa Sektera Fayyaa Fooyyessuu

Ooggummaa	Bara				
	2008	2009	2010	2011	2012
Haakiima walii galaa	716	844	1,009	1521	1391
Reeshoo Haakiima oggeessota gosa hunda keessaa	0.02	0.02	0.02	0.025	0.43
Narsii gosa hundaa	12731	13870	14,287	19,402	19,928
Reeshoo Narsii oggeessota gosa hunda keessaa	0.29	0.3	0.30	0.27	4.5
Miidwifeerii	3585	4105	4,493	4,402	4,532
Reeshoo Miidwifeeri oggeessota gosa hunda keessaa	0.08	0.09	0.09	0.62	0.61
Laabooraatoorii	2207	2350	2,452	2,396	2,359
Reeshoo Laabooraatoorii oggeessota gosa hunda keessaa	0.05	0.05	0.05	0.03	0.03
Phaarmaasii	2113	2256	2,345	2,671	2,664
Reeshoo Phaarmaasii oggeessota gosa hunda keessaa	0.05	0.05	0.05	0.03	0.03
Oggeessa hadoochaa	165	155	195	270	273
Reeshoo Oggeessa hadoochaa oggeessota gosa hunda keessaa	0.004	0.003	0.004	0.003	0.003
Oggeessa Raajii fi raadiyoogiraaferii (Radiology and X-ray)	96	95	110	154	168
Reeshoo Oggeessota Raajii fi Raadi. oggeessota gosa hunda keessaa	0.002	0.002	0.00	0.002	0.002
Baay'ina waliigala ogeessota fayyaa	43,227	46,677	47,893	70,812	73,813

Madda: Biiroo Eegumsa Fayyaa Oromiyaa, 2012

8. **Bu’uraalee Misooma Fayyaa Fooyyessuu**

Hojii waggoottan shanan darbe hojjetam een kellaan fayyaa 2007 6,519 irra kan ture dhuma 2012 40 buufata fayyaa 2007 1,320 irra kan ture 1,515 irraan gahuuf karoorfamee ture keessaa 1,410 (%93) hospitaalota 2007 57 irra kan ture 132 irraan gahuuf karoorfamee keessaa 96(%72.7) raawwatee jira.

Gama waliin gahinsa bu’uraalee fayyaa ilaalchisee, baay’inni kellaa, buufata fayyaa fi hospitaalotaa bara ka’umsa KGT-II 6,519, 1,320 fi 57 turan hanga ammaatti duraa duubaan 6,559, 1,410 fi 96 irraan gahuun kan danda’ame yoo ta’u uwwisni dhaabbilee fayyaa mootummaa keellaan fayyaa %94 fi buufatan fayyaa %93 irraa gahee jira. Haa ta’u malee, walakkeessa KGT-II irratti uwwisni kellaa fayyaa kanaan dura %98 fi buufanni fayyaa %97 irra qaqqabee kan ture ta’us guddina uummataa waliin deemaa waan hin jirreef uwwisni waliin gahinsa dhaabbilee bu’uraa gad-bu’ee jira. Gama biraatiin, karooraa fi raawwiin yoo ilaalame, buufataalee fayyaa 1,515 fi hospiitalota 132 irraan gahuuf kan karoorfame yoo ta’u, raawwiin isaa yoo ilaalame garuu walduraa duubaan %93 fi 62.9 raawwachuu isaa agarsiisa. Kana irraa kan ka’e reettiin guddina uummataa yaada keessa galee karoorfame gara raawwiitti yommuu dhufu hojiirra waan hin oolleef uwwisni bu’uraalee fayyaa qaqqabamaa ta’uu irraa harcaatii qabaachuu isaa ilaaluun ni danda’ama.

Waan kana ta’eef, bara 2022 baay’inni uummataa naannoo Oromiyaa akka tilmaama CSA gara mil 47 kan guddatu yoo ta’u, istaandardii amma jiruun uummanni buufata fayyaatti hin fayyadamne mil 10 ol ta’a. Haaluma kanaan, Reettii guddina uummataa irratti hundaa’ee baay’inni kellaa fayyaa, buufata fayyaa, hospitaalotaa, wirtuuwwan laaboraatoorii, wirtuuwwan baankii dhiigaa fi tajaajiloonni biroo tajaajila fayyaatiin walqabatan akka babal’atan hojjetamuu qaba.

Gabatee 2.42: Babal'ina Bu'uraalee Fayyaa

Bara	**2007**	**2008**	**2009**	**2010**	**2011**	**2012**
Kellaa Fayyaa	6519	6519	6559	6559	6559	7079
Buufataalee Fayyaa	1320	1326	1370	1370	1372	1410
Hospitaalota	57	63	66	79	91	96

Madda: Biiroo Eegumsa Fayyaa Oromiyaa, 2012

Akkuma armaan-olitti ibsame, KGT-II kana keessa dhaabbileen fayyaa sadarkaa saddiitti(3) qooduudhaan hojjetamee tureera. Qoodinsi kunis Dhaabbilee Fayyaa Sadarkaa jalqabaa (Keellaa Fayyaa Uummata 3,000-5,000, Buufata Fayyaa Baadiyaa Uummata 15,000-25,000 kan Magaala immoo hanga uummata 40,000, fi Hospitaala Sadarkaa Jalqabaa uummata 60,000-100,000 tajaajilu), Dhabbilee Fayyaa Sadarkaa 2^{ffaa} (Hospitaala Waliigalaa uummata mil 1-1.5 tajaajilu) fi Dhabbilee Fayyaa Sadarkaa 3^{ffaa} (Hospitaala Sadarkaa Ispeeshaalayizeeshinii uummata mil 3.5-5 kan tajaajilu).

Gabatee 2.43: Ragaa dhaabbilee fayyaa

T/L	Gosa dhaabbata fayyaa	Baay'in ummataa dhaabbata tokkotti tajaajilamuu malu	Baay'ina dhaabbilee amma jiran	Baay'ina ummataa dhaabbata tokkotti tajaajilamaa Jiru	Baay'ina dhaabbilee ummata amma jiruuf barbaachisu	Garaagarummaa/ baay'ina dhaabbilee dabalataan barbaachisu
1	Keellaa Fayya	5,000	7090	5,482	7774	664
2	Buufata Fayaya	25,000	1404	27,687	1555	151
3	Hospitaala jalqabaa	100,000	47	827,064	389	342
4	Hospitaala Waliigalaa	1,500,000	34	1,143,294	26	-
5	Hospitaala Ispeeshaalaayizdii	5,000,000	4	9,718,000	8	4

Madda: Biiroo Eegumsa Fayyaa Oromiyaa, 2012

9. Raawwii Pirojeektotaa

Buufatalee fayyaa ijaarsii isaani KGT-I keessa jalqabamee 95 xumursiisuu fi Buufata Fayyaa haraa 200 ijaaruuf kan karoorfamee ture keessaa buufanni fayyaa 95 (%100) xumuramee KGT-II keessa hojii kan eegale yommuu ta'u, buufannii Fayyaa haaromsuun 150 (%75) xumuramee jira.

Buufatalee fayyaa sadarkaa foyyeessuu keessatti gamoo dabalata ijaaruun iddoo kenniinsa tajaajila fayyaa akka mija'uu fi tajajilaa dabalatas akka kennan taasisuuf buufataalee fayyaa bilookii dabalataa isaan barbaachisu 227 ijaaruuf karoorfamee ture 241(%106) bilookiin dabalataa ijaarameef jira. Buufataalee Fayyaa Dulloomanii fi Jijjigan 400 ta'an suphudhaaf karoorfamee buufataaleen Fayyaa 320(%80) kan ta'an suphamanii jiru.

Gama Hospitaala jalqabatiin hospitalota KGT-I keessa ijaarsi isaani jalqabamee sababa adda addaatin osoo hin xumuramin gara KGT-II irratti 59 xumurun meeshaaleen guttamee tajajilaa akka jalqaban karoorfame keessaa 59(%100) kan xumuraman yoo ta'u, Ijaarsa fi Meshaalee guutuu Hospitaalota bu'uraa haaraa 80 ijaarsa isaa jalqabsisuuf karoorfame keessaa 75 (%93) ijaarsi isaani xumuramee kan hojii eegalan yommuu ta'u, Hospitaala riiferaalaa 2 dabalataan KGT-II keessa ijaaruuf karoorfamee ture keessaa Hospitaalli riiferaalaa 2(%100) ijaarramuudhaan kan tajaajila eegalanii jiru.

Bifuma wal-fakkatuun, KGT -II irratti hospitaalota bu'uraa Godinaalee 18 keessatti babal'isuu fi sadarkaa isaanii gara Hospitaala waliigala 18 guddisuuf karoorfamee ture keessaa 17(%93) guddisuun danda'amee jira. Akkasumas, Hospitaalota tajaajila yeroo dheeraa kennuun dullooman 40 suphuu fi haaromsuuf karoorfamee 36 (%90) raawwatee jira. Hospitaalota aanaa 30 keessatti bilookii yaalii ariifachiisaa sadarkaa isaa eeggate ijaarudhaaf karoorfamee ture keessaa Hospitaalota aanaa 25(%94) ijaarun danda'ame jira. Hospitaalota yaalii balaa battalaa kennaa jiran 53 keessaa Hospitaalota 20 keessatti wirtuun xiyyeeffannoo addaa haala qindaa'een tajaajila

gahumsa qabu akka kennaniif (ICU) karoorfamee ture keessaa Hospitaalota 20(%100) hundeessuudhaan tajaajila akka kennan godhamee jira.

Meeshaalee yaalii yeroo adda addaa fashalaa'ee hojiin ala ta'e suphuun tajaajilatti deebisuuf haala mijeesuuf wirtuu meeshaa yaalaa itti suphamu (Biomedical workshop) 4 ijaaruuf karoorfamee 4 (100%) kan ijaaramee yoo ta'u, gahumsa tajajila dhiyootti kennamuuf kan gargaaru wirtuu baankii dhiigaa 5 dabalataan ijaaruuf karoorfamee 5 (100%) ijaarsi isaani xumuramee hojii jalqabee jira.Hospitaala 3 keessatti daree qorannaa reeffaa banuudhaaf karoorfamee ture keessaa hospitaala 3(%100) keessatti dareen qorannoo reeffaa banamee jira.

Gama biraatin buufataalee fayyaa 600 ta'aniif sarara bishaanii/roottoo bishaan roobaa cimmisu/bishaan boollaa galchuudhaaf karoorfamee ture keessaa buufataale Fayyaa 500(%83) ta'aniif akka galuu gochuun danda'amee jira. Dabalataanis, buufataalee Fayyaa Ibsaa hin qabne 800 ta'aniif humna Ibsaa/Soolarii/Generetara akka argachuu danda'an gochuudhaaf karoorfamee ture keessaa buufataleen Fayyaa 650(%81) ta'an argachudhaan tajaajila akka kennan godhamee jira.

Gabatee 2.44: Istaandardii dhaabbilee fayyaa fi sadarkaa irra jiru

Madda: Biiroo Eegumsa Fayyaa Oromiyaa, 2012

Bara	Baay'ina Uumataa	Baay'ina Hospitaalot aa	Baay'ina Buufata fayyaa	Baay'ina Kellaa fayya	Giddugala Hospitaala baay'ina Uumataan(1:Pop)	Giddugala Buufata fayyaa baay'ina Uumataan(1:Pop)	Giddugala Kellaa fayyaa baay'inaUumataan(1:Pop)
2007	33,914,866	57	1,320	6,519	594,998	25,693	5,202
2008	34,880,772	65	1,326	6,523	536,627	26,305	5,347
2009	35,855,163	66	1,366	6,797	543,260	26,248	5,275
2010	36,839,051	79	1404	7090	466,317	26,239	5,196
2011	37,827,593	83	1404	7090	450,328	26,943	5,335
2012	38,865,436	85	1404	7090	457,240	27,682	5,482

Haaluma Kanaan uwwisa isaa yeroo ilaalamu dhuma KGT-II buufanni fayyaa tokko giddugalaan uummataa 25,693 tajaajila kennaa kan ture yeroo ammaa kana xumura KGT-II irratti giddugalaan uummataa 27,682 ta'aniif tajaajila kennaa jira. Kunis kan agarsiisu ijaarsi buufataalee Fayyaa haa jiraatuyyuu malee haala baay'inni uummataatiin dabalaa deemuun babal'isuun dhaabbilee fayyaa waan wal hin simnee fi akkasumas pirojeektonni haaraan ijaarsa irra jiran yeroon xummuramanii hojii waan hin jalqabneef dha.

2.4.3. Misooma Aadaa fi Turiizimii

Hojii misooma aadaa fi Turiizimii keessatti afaan, aadaa, seenaa fi artii Oromoo irratti qorannoo gaggeessuu, qabeenya uumamaa fi nam-tolchee hawwata turistii ta'an misoomsuu, kunuunsuu fi beeksisuun gahee guddina diinagdee naannichaa keessatti qabu guddisuun fayyadamummaa uummataa mirkaneessuuf hojiin bal'aan hojjetamaa turee jira.

Haaluma kanaan gamaggama raawwii KGT-II keessatti raawwataman gamaaggamuun bu'aa fi jijjiirama diinagdee naannichaa keesstti gahee isaa akka ba'uu gochuuf hojiin hojjetama tureen haala armaan gaditti qindaa'ee jira.

1. **Fayyadamummaa Uummataa Guddisuu**

Guddina aadaafi Turiizimii yeroo yerootti galmaa'u irraa uummata fayyadamaa taasisuun qabeenyi aadaa fi turiizimii ittifufinsa akka qabaatan gochuun fayyadamummaa uummataa mirkaneessuuf tajaajjila dubbisaa fi daawwannaa godambaa irraa uummata fayyadamaa ta'an 2007 544,934 ture 2012 mil 12.4 irraan gahuuf karoorfamee ture keessaa raawwiin xumura 2012 mil 8.7 fi doo'ii hambaaleefi iddoolee hawwata tuurizimii irraa uummata fayyadamaa ta'e hanga bara 2012 406,799 itti kan guddate yammuu ta'u, tajaajla aartii irraa fayyadamummaa uummataa argame 2007 2,500,000 irra ture 2012 17,500,000 irraan gahuuf karoorfamee ture keessaa raawwiin 2012 namoota mil 14.55 fayyadama ta'anii jiru. Bu'uruma kanaan raawwii jiru karoora irraa yeroo xiinxalamu sadarkaa gaarii irratti argamus baay'ina uummata naannichaa giddugaleessa godhannee yoo madaallu hanqin waan qabuuf hojii xiyyeeffana barbaaduudha.

Haaluma kanaan tajaajila aartii, dubbisaa fi daawwannaa godambaa kannen irraa carraa hojii dargaggootaa fi dubartoota hojii dhabdootaaf uumuun 2007 282,480

kan ture 2012 817,480 guddisuuf karoorfame raawwiin 2012 namoonni gara 383,612 (%47) ta'an carraa hojii akka argatan taasifamee jira.

Gama biraan, Gabaasa raawwii karooraa KGT-II 2012 Ministeera Aadaa fi Turiizimii irraa bahe akka ibsutti Sadarkaa biyyoolessaatti carraa hojii uumameen hanga 2012 mil 1.5 (%88) kan raawwate yammuu ta'u, Kanaa irraa ka'uun, hojii dhaabeyyii akka hir'isee fi fayyadamummaa uummataa akka dabale ragaan qorannoo "counciling" Turiizimii 2018 akka biyyaatti qoratamee akka ibsutti % 8.3 akka hir'ise ragaan kun ni mul'isa.

Walumaagalatti hojiiwwan fayyadamummaa uummataa mirkaneessan misooma Induustirii aadaa fi aartii fi misooma Turiizimiitiin sochiileen taasisafaman ka'umsa gaariin argamus, hojiiwwan carraa hojii uumuu irratti poteenshaala jiru duguuganii itti fayyadamuu dhabuu, tajaajila aartii fi kalaqa irratti dhaabbileen akka manneen sinimaa, manneen leenjii muziqaa fi tiyaatiraa gahaa ta'e magaalota keessatti dhabamuu fi raawwii carraa hojii uumamee sadarkaa naannichaa fi galma yaadame waliinis ta'e sadarkaa biyyaalessaatti waliin yeroo xiinxalamuu hojii karoora itti aanu keessatti akka hojjetamu ta'a.

Giraafii 2.77: Carraa hojii Turiizimii irraa argame



Madda: Biiroo Aadaa fi Turiizimii Oromiyaa, 2012

2. Misooma Aadaa

A. Qorannoo fi Qo' annoo Oromoo

Waggoottan shanan darban kana keessatti qorannoowwan amaloota garaa garaa qaban akkaadaamikii ta'an karaa GAO hojjetamanii maxxanfamanii uummata biraa gahanii jiru. Haaluma kanaan qorannoo Afaan Oromoo irratti gaggeessuu 2007 5 kan ture 2012 13 irraan gahuuf karoorfame ture keessaa raawwii hanga 2012 jiru 6(%46) fi adeemsarra jiru (%24) dabalatee %70 xumuramee jira. Bu'uruma kanaan, hojiiwwan qorannoo afaanii waaltinaa fi guddina afaanichaatiif gumaacha ol-aanaa qaban keessuma afaan Saaynsii fi teknoolojii taasisuu keessatti hojii guddaan hojjetameera. Gama qorannoo seenaa Oromoo irratti gaggeessuu 2007 4 irra kan ture 2012 5 irraan gahuuf karoorafamee ture keessaa raawwii isaa adeemsarra kan jiru hanga 2012 3(%68) irratti argama.

Qorannoo aadaa Oromoo irratti gaggeessuu 2007 dura hin ture 2012 4 irraan gahuuf karoorfame keessaa raawwiin isaa adeemsarra kan jiru hanga 2012 3(%44) yommuu ta'uu fi qorannoo aartii Oromoo irratti gaggeessuu 2007 5 kan ture 2012 6 irraan gahuuf karoorfamee ture keessaa raawwiin isaa adeemsarra kan jiru hanga 2012 1(%7) irratti argama. Gama biraatiin qorannoowwan gaggabaaboo qorannoo gadi fageenyaa gaggeeffamuu 2007 12 kan ture 2012 9,900 irraan gahuuf karoorfamee ture keessaa raawwiin hanga 2012 jiru 1,593 (%16) irra gahee jira.

Walumaagala, qo'annoo fi qorannoo afaan, seenaa, aartii fi aadaa uummata Oromoo irratti gaggeeffame irratti bu'aawwan qorannoon galmaa'an jalqabbiin jiru gaarii ta'us adeemsi qorannoo kun karaa saayinsaawaa ta'ee fi gadi fageenyaa qorachuu dhabuu fi bu'aalee qorannoo beeksisuu irratti hanqinni ni jira. Haala qabatama naannoo oromiyaa fi guddina hawaas- diinagdee naannichaa jirun, yeroo xiinxaluu hojii xiyyeeffannoo guddaa barbaadudha.

Gabatee 2.45: Qorannoo fi Qo'annoo Afaan, Seenaa, Aadaa fi Aartii Oromoo

Mata duree Qorannoo geggeffame	Ka'umsa 2007	Kar. 2008-2012	Raawwii 2008-2012	Raawwii hojiiwwan xumurame %	Raawwii hojii Adeemsarra jiru %	adeemsarra jiranii waliigala %
Afaan	5	13	6	46	24	70
Seenaa	4	5	3	-	68	68
Aadaa	0	4	3	0	44	44
Artii	5	6	1	7		

Madda: Biiroo Aadaa fi Turiizimii Oromiyaa

B. Qorannoo fi Misooma Hambaalee Aadaa fi Uumamaa

Hambaalee aadaa socho'an, hin sochoonee fi kiliyyaa akkaataa ulfaatinaa fi sona isaan qabaniin galmeessuuf hambaalee akka naannootti galmeeffaman 2007 1,420 ture 2012 gara 6,300 guddisuuf karoorfamee ture keessaa raawwiin 6,196 irra gahee jira. Hambaalee ibsituu eenyummaa ta'an 'UNESCO' galmeeffaman 2007 hin turre 2012 5 guddisuuf karoorfame keessaa raawwiin hanga 2012 1(%20) kan galmaa'e yammuu ta'u, sirni Gadaa hambaa kiliyyaa dhala namaa ta'ee UNESCO galmaa'ee jira. Akkasumas sanada kaadhimmeessaa qopheessuu 2007 5 ture 2012 gara 8 guddisuuf karoorfamee ture keessaa raawwiin hanga 2012 4(%50) xumuramee jira.

Misooma hambaalee fi sonni aadaa uummata misoomanii dhalootaa dhalootatti akka darbuuf beekumsi xabboo uummataa qorannoon adda bahee hawaasi itti fayyadamaa ta'uun bu'aawwan argaman jiran jalqabbii gaariidha. Haa' ta'u malee, galmeessi hambaalee aadaa qul-qullinaan raawwatamuu dhabuu, qorannoo misooma hambaalee bakka hundaa hammatu geggeessuu dhabuu fi godambaalee jiran karaa guutuu ta'een tajaajila daawwiif oolchuu dhabuun haqinalee mul'tan waan ta'eef hojii xiyyeeffannoo guddaa barbaadudha.

C. Misoomaa fi Babal'ina Induustirii Aadaa fi Aartii Guddisuu

Induustirii aadaa fi artii misooma diinagdee keessatti carraa hojii dargaggootaa fi dubartootaaf uumuu keessatti shoora ol-aanaa qaba. Induustirii aadaa uummata keessa jiran bal'inaan qorachuu, babal'isuu, misoomsuu fi hubannoo uummataa cimsuun hojii hojjetamaa tureen dhaabbilee fi waldaalee Induustirii aadaa guddisuu danda'an 2007 85 irra kan ture 2012 gara 4,312 guddisuuf karoorfamee ture keessaa raawwiin 1,975(% 47) irra gahee jira.

Dhaabbilee aadaa kanaan walitti hidhaminsa gabaa uumamee 2007 20 irra kan ture 201 2 3,330 guddisuuf karoorfamee ture keessaa dhaabbilee aadaa 1,138(% 34) ta'aniif walitti hidhaminsi gabaa uumamee jira. Bu'uruma kanaan, oomishaa fi tajaajila Induustirii aadaa irraa galii argame 2012 gara qr 215,150,000 guddisuuf karoorafamee ture keessaa raawwiin hanga 2012 gara qr 47,882,000(%22) argamee jira.

Dhaabbilee industirii aadaa fi aartii gidduutti walitti hidhaminsa gabaa uumuun, beeksisuu fi carraa hojii babal'isuu keessatti muuxannoon guddaa horatamuun,keessumaa oogummaawwan kanneen galtee guddina aadaa keenyaaf gummachaan jalqabbii gaariin jiraatus haala qabatamaa naannoo fi biyyaaleessaan waliin raawwii industirii aadaa fi aartii KGT-II kanaa keesstti yeroo xiinxalamu hojii xiyyeeffana barbaaduudha.

3. Misoomaa Turiizimii

Qabeenya hawwata turistii uumamaa fi nam-tolchee naannichaa adda baasuu fi qorachuun, eeguu akkasumas misoomsuun galtee yaa'insa turistiif akka ooluu fi gumaacha diinagdee akka qabaatu taasisuuf iddoowwan hawwata turistii 2007 264 irra kan ture 2012 1,919 adda baasuuf karoorfamee ture keessaa raawwiin 1,085 (%56.5) irratti argama.

Qabeenya uumamaa hawwata Turiizimii eegame 2007 12 irra kan ture 2012 1,655 guddisuuf karoorfamee ture keessaa raawwiin 2012 451(%27.4) irra gahee kan jiru si'a ta'u, kan daangeeffamee fi bu'uraalee misooma bakka hawwata Turiizimii babal'atan 2007 27 irra kan ture 2012 1,722 guddisuuf karoorfamee keessaa raawwiin 2012 hawwattoota turisitii daangeeffamee 901 fi bu'uuraalee misoomaa kan guuttatan 6 hojjetamee jira. Misoomaa fi kunuunsa qabeenya hawwata Turiizimii fi bu'uralee misooma Turiizimii babal'isuu hojiin hojjetama ture jalqabbiin jiru gaarii ta'us hojii dagaaginaa fi misooma Turiizimii naannichaa itti fufinsa qabu lafa qabsiisuuf "Maaster Pilaaniin Turiizimii Naannoo Oromiyaa" waggoota kudhaniif hojiirra oolu qophaa'e jiru hojii xiyyeeffana qaamolee hundaa fi qooda fudhattootaan kan hojjetamu ta'a.

Hojii promoshinii fi misooma gabaa raawwatama tureen misooma Turiizimii fi qabeenya hawwata Turiizimii naannichaa mala beeksisa addaa addaa fayyadamuun galmaan ga'uu 2007 497 irra kan ture hojiiwwan promoshinii 2012 3,641 midiyaalee elektirooniksii tamsaasuuf karoorfamee ture keessaa 2,417 (%76) hojjetame jira. Bu'uruma kanaan yaa'insi turistii biyya keessaa 2007, 1,969,694 irra kan ture 2012 gara 21,901,537 akka dabalu karoorfamee ture keessaa raawwiin hanga 2012 gara 21,901,537 (%100) yammuu ta'u, yaa'insa turistoota biyya alaa 2007 68,200 irra kan ture 2012 gara 1,191,357 akka dabalu karoorfame kan ture keessaa raawwiin 2012 gara 1,191,357 (%100) irra gahee jira.

Yaa'insa turistii kanaanis galiin turistii biyyaa keessarraa argame 2007 keessa qr mil 886.08 kan ture 2012 gara qr 30,886,083,354 akka dabalu karoorfame keessaa raawwiin xumura 2012 gara 15,490,432,032(%50) irratti argama. Akkasumas Galiin turistii biyya alaarraa argame 2007 qr 265,825,006 irra kan ture 2012 gara qr 6,739,200,000 akka dabalu karoorfamee ture keessaa raawwiin 2012 gara 4,195,818,664(%62) guddate jira.

Giraafii 2.78: Ragaa yaa'insa turistii



Madda: Biiroo Aadaa fi Turiizimii Oromiyaa, 2012

Giraafii 2.79: Galii yaa'insa turistii irraa argame



Madda: Biiroo Aadaa fi Turiizimii Oromiyaa, 2012

Bu’aa hojii piromooshinii hojjetamee safaruudhaaf kan dandeessisu hojmaanni gahumsa qabuu fi ulaagaa walfakkaatu waan hin jirreef jjijjiiramni jiru tilamaamaan taa’uu fi hoteelonni sadarkaa urjiitti ce’uu malan sadarkeessuuf qaama biraatiin hoogganamuun ni mul’ata. Kanaafuu, bu’aa qabeessummaa Turiizimii naannichaa daran guddisuuf karoora tarsiimoo’a qaama ilaallatu hunda hirmaachisuu fi milikeessuu danda’an karoorsuun barbaachisaa ta’a.

Gamaaggama raawwii kanaan galii dhangala’insa turistoota biyya keessaa fi alaa yeroo madaalamu jajjabessaa ta’us misoomni Turiizimii maniifaakcharingii gadi kan hin taaneef humna diinagdee guddisuu, carraa hojii uumuu fi sharafa alaa akka argamsiisuu ni amanama. Gama kanaan, biyya keenyaas ta’ee naannoon Oromiyaan qabeenya qabdu guddan jiraatus tajaajila barbaadamu karaa ga’aa ta’een qopheessuun tuursootaaf dhiyeessuu dhabuu irraan kan ka’e hanga ammaatti akka barbaadamatti fayyadama ta’u hin dandenyee.

Haaluma kanaan gabaasa raawwii karoora KGT-II 2011 Ministeera Aadaa fi Turiizimiifi muuxannoo biyyoota Afrikaa (2019 annual report) irraa argameen Turiizimiin gahee guddina diinagdee biyyaa GDP keessaatti qabu giddugaleessaan, yaa’insa tursitoota biyya alaa kan biyyoota afirikaa kanneen waliin yeroo madaalamuu Itoophiyaan %6.1, keeniyaa %8.8, Gibxii %14.8, Taanzaaniyaa %11.7 fi Afirikaan kibbaa %8.6 yammuu ta’u, akka biyyaa keenyaatti sababa gad-bu’uu danda’eef bakkeewwan dawwataman tursitootaaf hawwata sadarkaa isaa eegate mijeessuu dadhabuu fi haala nageenya isaanii mirkaneessuu dhabuu fi hirmaannaan abbootii qabeenyaa jiru baayyee gad-bu’aa ta’uu agaarsiisa.

Gabatee 2.46: Muuxannoo biyyoota afrikaa walin

T.L	Gosa hojii	Itoophiyaa	Keeniyaa	Misir	Tuniziyaa
1	Turistoota biyya alaa	910,128	mil 2	mil 12	mil 6
2	Galiiwwan biyya alaa irraa argame	USD mil 792	USD bil 1.6	USD bil 9.9	USD bil 1.3
3	GDP	6.1	8.8	14.8	11.7

Madda: Minsteera Aadaa fi Turiizimii Federaalaa bara 2011 fi Muuxannoo biyyoota Afrikaa (2019 annual report)

4. Gahumsa Tajaajila Dhaabbilee Aadaa fi Turiizimii Guddisuu

Qul-qullina kenna tajaajilaa, sadarkaa fi baay'ina dhaabbilee aadaa fi turiizimii guddisuu fi gahoomsuun dorgomaa taasisuu 2007 dhaabilee tajaajila aadaa kennan 250 irra kan ture 2012 1,986 guddisuuf karoorfamee ture keessaa raawwiin 15,866 irratti kan argamu ta'ee, dhabbilee tajaajila aadaa amma jiruu fi bal'ina naannoo keenya waliin tajaajila barabaadamu faana wal simuu dadhabuu, qul-qulinaa fi gahumsa dhaabbilee jiru gahaa ta'uu dhabuun waan mul'atuuf hojii xiyyeeffannoo barbaadu akka ta'e ni agariisa.

Tajaajila turiizimii sadarkaa isaa eeggate turistootaaf kennuuf dhaabbilee turiizimii mirkaneessa gahumsa oogummaa kenname 2007 iraatti 16,150 irra ture 2012 irratti gara 24,225 guddisuuf karoorfamee ture keessaa raawwiin dhaabbile hayyama oogummaa argatan 24,150(%99) kan guddate yommuu ta'u, baay'inni waldaalee daawwachiiftota haaraa 21 irra kan gahee fi dhaabbilee tajaajila turistii sadarkaa urjii seenuu danda'an adda bahan xumura 2007 irratti dhaabbilee 71 ture dhuma bara baajeta 2012 immoo gara 271 guddisuuf karoorfamee ture keessaa 108 (%39.85) adda baasuun akka madaalaman ta'ee jira. Kan madaalaman keessaa hoteelonni 65(%59.3) sadarkaa urjii tokkoo hanga shanii akka argatan taasifamee jira. Raawwiin jiru karoora qabame keessaa yeroo madaalamu gaarii ta'us bal'ina naannoo keenyaa fi madda turiizimii qabnu waliin yeroo xiinxalamu baayyee gad-aanaa waan ta'eef misoomni turiizimii gahee guddina diinagdee keessatti shoora isaa akka bahuu gochuuf hoteelota sadarkaa isaanii eeganii fi aadaa fi duudhaa oromoo mul'isuu danda'an babal'isuun murteessa waan ta'eef hojii guddaan akka hafe agarsiisa.

Gama biraatiin, dhaabbilee aadaa fi turiizimii kenna tajaajila isaanii fooyyefatan dhuma 2007 irratti %55 ture xumura 2012 gara %80 guddisuuf karoorfamee ture keessaa %50 tajaajila isaanii akka fooyyefatan ta'e jira. Raawwiin KGT-II keessatti dhaabbileen kennaa tajaajila isaanii akka fooyyefataniif gorsaa fi deeggersa

barbaachisaa ta’e jiraatus itti fufinsaan kenninsa tajaajila barbaachisu kennamu waliin yeroo madaalamu hanqinaalee guddaa akka qabu ni agarsiisa.

Walumaagala gahumsa dhaabbilee aadaa fi turiizimii dabaleen yaa’insi turistii biyya keessaa fi alaa tajaajila argatu dabalaa dhufeen ittiquufinsi tajaajilummaas dabalee jira. Kunis carraan hojii dhaabbii fi kan yeroo kenna tajaajilaa, beeksisa turiizimii irratti dhaabbilee aadaa fi turiizimii keessatti uumameen turiizimiin gahee guddina diinagdee naannoo keenyaa keessattii shoora ol-aanaa akka ba’uuf hojii xiyyeeffannaan hojjetamu ta’a.

5. Ijaarsa Pirojeektotaa

Pirojeektonni kun kanneen akka giddugala aadaa Oromoo, godambaalee, manneen dubbisa Kitaabaa fi ardaalee jilaa waggoota shanan kana keessa hirmaannaa uummataa fi baajeta mootummaan ijaarsi isaanii raawwatamaa turaniiru. Bu’uruma kanaan KGT-II kana keessa pirojeektota hirmaannaa uummataan hanga 2012 lakk.33 kan ta’an pirojeektota ijaarsisuuf karoorfamee ture keessaa raawwiin xumura 2012 irratti 10(%33) kan ijaaramee xumuramee fi Pirojeektota magaalaa Finfinnee jiran keessatti aadaa, afaanii fi seenaa dagaagsuuf kutaa magaala adda addaa keessatti baajeta mootummaatiin ijaarsi isaan gaggeeffamaa jiru, pirojeektonni kaan kutaa magaalaa Boolee keessatti giddugala qophii fi Leenjii Nyaata aadaa Oromoo ijaarsisuu raawwiin hanga 2012 %6 kutaa magaala Cirqoositti giddugala leenjii Artii Oromoo raawwiin %7 akkasumas, kutaa magaala Lidataatti giddugalli gabaa fi Egzibiishinii Oomisha aadaa ijaarsisaa xumura 2012 irratti %12 irra gahee jira.

Pirojeektonni hirmaannaa uummataan hojjetaman qorannoo fi beekumsa irratti hundaa’uu dhabuu, pirojeektonni harkifachuu fi qul-qullina dhabuun waan mul’atuuf hojii xiyyeeffannoo addaan hojjetamuu malu ta’a.

2.4.4. Misooma Dhimma Dubartootaa, Daa'immanii fi Dargaggootaa

Waggoottan darban keessatti hirmaannaa dubartootaa gama siyaas-diinagdeetiin jiru guddisuun fayyadamummaa dubartootaa cimsuuf carraaqqiin hedduun gama mootummaa fi deeggartoota misoomaa adda addaatiin taasifamaa kan ture yoo ta'u bu'aan hedduunis galmaa'ee jira.

1. Misooma Dubartootaa

A. Hubannoo Uumuun Ilaalcha Dubartootaa fi Hawaasaa Jijjiiruu

Galma dubartootaa keessaa inni tokko hubannoo uumuun dhimmoota adda addaa kanneen akka barmaatilee miidhaa geessisan (BMG) irratti ilaalcha dubartootaa fi hawaasaa jijjiiruudha. Haaluma kanaan, BMG irratti waltajjii adda addaa uumuun namoota mil 3.75 (dh 1.5 fi du 2.25) dhimma idileessa koorniyaa fi daa'immanii akkasumas , godaansa seeraan alaa irratti namoota mil 1.1 (dh 4.5 du 6.5) hubannoo kennuuf karoorfame namoota mil 10.8 (dh 4.4 fi du 6.4) (%98) kennamee jira. Raawwiin karooraa ol-aanaa haata'u iyyuu malee, akkaataa hubannoon itti kennameen BMG dubartootaa fi da'imman irraa xiqqaachaa a deemuu ykn baduu dhabuun hubannoo kenname kana gaaffii keessa galchuu kan danda'udha. Waan kana ta'eef, fuulduraaf hubannoowwan kennaman hunduu bu'aalee madaalaa deemuun barbaachisaa dha. Akkasumas, gandoota 2,000 BMG irraa bilisa gochuuf karoorfame keessaa gandoonni 1,795 seera aadaa tumatanii hojjechaa kan jiran yoo ta'u, fuudharratti fuudha, butii, kittaana ijoollee dubaraa fi heeruma umurii malee irraa gandootiin 1,395 bilisa ta'anii jiru.

Haata'u malee, BMG keessaa hedduun isaanii hir'achaa kan dhufan ta'us kittaanuun ijoollee dubaraa, fuudharratti fuudhaa fi heeruma daa'imummaa ammallee sadarkaa baduurra waan hin geenyeef hojii ijoo karoora itti aanu keessatti hojjetamuu qabudha. Fakkeenyaaf, akka ragaa "EDHS"yoo ilaallu, kittaanuun ijoollee dubaraa bara 1997(2005) dubartoota %80 irratti geggeeffamaa ture, 2012

gara %76 akka xiqqaachaa dhufe kan namatti agarsiisu yoo ta'u, hojiin hojjetamus jijjiiramni dhufe baay'ee xiqqaa akka ta'e namatti agarsiisa.

Giraafii 2.80: Tireendii dhaqna qabaa dubaraa



Madda ragaa "EDHS" bara 2005 fi 2016

Gama biraatiin, heeruma umurii malee ilaalchisee hojiilee hubannoo uumuu fi sosochii hawasaa uumameen bara 1997(2005) dubartoota %16 kan ture 2012qorannoo taasifameen gara %18 xiqqaatee jira. Haata'u malee, jijjiiramni kun ammallee xiqqaa waan ta'eef karoora itti aanu keessatti hojii xiyyeeffannoo barbaadu ta'e kan itti fufu ta'a.

Bifuma walfakkaatuun, marii imaammata waliigalteewwan idil-addunyaa, konveenshinootaa, seeraa fi heera, qajeelfamoota mirgoota dubartootaa fi daa'immanii irratti hubannoo namoota gara 7,050,000 (dh 3,025,000 fi du 4,025,000) karoorfame keessaa 6,895,860 (dh 2,949,481 fi du 3,966,379) (%98) raawwatee jira. Haaluma kanaan, mirgaa fi nageenya hawaasummaa daa'immanii ilaalchisee kutaalee hawaasaa hunda keessatti hojii hojjetameen jijjiiramni ilaalchaa hawasaa biraatti dhufaa jiru jajjabeessaa ta'ee mul'ata. Keessumattuu deeggarsi daa'imman rakkoof saaxilamanii fi eeruun miidhaa daa'immanii irratti qaama seeraatti dhiyaachaa jiruu yeroodhaa gara yerootti dabalaa dhufeera.

Akka gabaasa “SDG” biyyi keenya fedhiin hirmaannaa dubartootaa gama siyaasaatiin jiru gaarii ta’us, dhiibbaan sarbama mirga dubartootaa /the prevalence of violence against women/ guddaa ta’uu isaa agarsiisa. Fakkeenyaaf, rakkoon daa’immanii fi dubartoonni umurii waggaa 15 fi isaa olii irratti qaqqabaa ture dhuma karoora “SDG”gara duwwaatti (0)gadi buusuuf kan karoorfame ta’us akka ragaa “EDHS” bara 2016 mul’isutti %16 irra kan jiru ta’uusaati. Miidhaan qaamaa bara 1997(2005) dubartoota %28 irra gahaa ture bara 2008(2016) gara %12 kan xiqqaate yoo ta’u, miidhaan saalaa (sexual violence) bara 1997(2005) dubartoota %10 ture bara 2008(2016) gara %7 gadi bu’ee jira.

B. Fayyadamummaa Dubartootaa fi Daa'immanii Guddisuu

Dubartoonni sochii siyaas -diinagdee keessatti fayyadamoo akka ta’aniif hojiin ijoon hojjetamu tokko hubannoo uumuudha. Haaluma kanaan, KGT-I keessatti dubartoota mil 4.6 diinagdee irraa fayyadamoo akka ta’aniif hubannoo kennuu mil 6 irraan gahuuf karoorfamee ture keessaa 5,403,999(%90) raawwatee jira. Akkasumas, dubartoota Magaalaa bara 2007 hojiiwwan maddoota galii adda addaarratti hirmaachifaman 361,429 kan ture 800,000 irraan gahuuf karoorfamee 742,886 (%93) kan guddate yoo ta’u, baadiyaan 2007 irratti 1,355,357 ture 2,848,200 guddisuuf karoorfamee ture keessaa 2,473,048 (%87) raawwatee jira. Akkasumas, Dubartoota naannoo horsiisee bulaa 2007 irratti 90,357 kan ture dhuma KGT-II irratti 214,068 guddisuuf karoorfamee ture keessaa raawwiin 170,918(%80) akka guddatu ta’ee jira.

Akkasumas, dubartoota KGT-I keessatti leenjii oogummaa argatan 61,743 ture hanga KGT-II irratti gara 485,406 ga’uuf karoorfamee ture keessaa raawwiin 320,419(%66) akka ol-guddatu qaama dhimmi ilaalu waliin qindoominaan hojjetamee keessaa hojii mataa isaanii uummatanii hojii keessa kan galan xumura 2007 irratti 45,450 qofa kan turan yoo ta’u, karoora KGT-II keessaa 485,406 ta’us yeroo ammaatti dubartoota 244,368 (%50) ta’an qofaatu hojii mataasaanii uummatanii jiru.

Gama biraatiin, dubartoonni teknoolojiiwwan humnaa fi yeroo qusatanitti fayyadaman bara 2007 irratti 144,000 kan ture KGT-II irratti gara 1,856,000 ol-guddisuuf kan karoorfamee ture keessaa raawwiin 1,511,206(81%) akka fayyadaman ta'ee jira. Kunis yeroon oomishtummaa dubartootaa akka dabalu taasisee jira.Akkasumas, garee walgargaarsaatiin dubartoota 1,725,225 kuurfeesuun qr517,567,500 walgargaaraa kan turan KGT-II irratti gara 2,510,000 fi qr 753,000,000 akka guddatu karoorfamee ture keessaa dub 2,409,006(%96)fi qr 700,882,280(%93) walitti fiduun bakka rakkina isaaniitti kan wal-deeggaran ta'anii jiru.

Bifuma walfakkaatuun, bara 2007 dubartoota haaraa 1,000,000 qusannoo keessa galan irratti dabalataan 1,500,000 hirmaachiisuun qr 180,000,000 akka qusataniif karoorfamee kan ture keessaa raawwiin dubartoota 1,376,064(92%) qr 191,117,735(100%) akka qusatan godhamee jira. Qusaannoo ittifufinsaa (buuleeyyii) dub 3,600,000 garee 120,000 qr 1,080,000,000 irra ture dub 5,100,000 garee 170,000 qr 3,060,000,000 guddisuuf karoorfamee ture keessaa raawwii dubartoota 4,568,777 (%88) garee 158,000(88%) qr bil 0.3831 qusachiisuun danda'amee jira. Gama kanaan qusannoorratti hojiileen waggaa waggaatti hojjetamu gaarii ta'us fayyadamummaa isaanii yoo ilaalle garuu gadi aanaadha. Kunis dubartoonni hedduun qusatanii erga liqeeffatanii booda haala isaan hojiitti galan irratti leenjiin bal'inaan waan hin kennamnee fi iddoowwan hojii isaaniis waan hin mijoofneef qarshii guddaa qabatanii hojii xixiqqoo kan akka re'ee fi hoolaa bituun horsiisuu, hojii buna jabanaa ykn mana shaayii fi kkf qofarratti kan xiyyeeffatan yoo ta'u lakkoofsi dubartoota qusatanii hedduu ta'us qarshiin isaan qusatan garuu xiqqoo dha. Gama liqiitiin yoo illaalle, dubartoonni hedduun isaanii liqii kan argatan dhaabbileewwan xixiqqaa (micro-finance) adda addaa irraa malee laakkoofsi dubartootaa ofii isaanii waan qusatan irraa liqeeffatan lakkofsi isaanii baayyee xiqqoo waan ta'eef kaallattii addaatiin irraatti hojjetamuu kan qabudha.

Dubartoota miseenssota waldaa hojii gamtaa (WHG) 245,361 bara 2007 turan bara 2012 670,530 guddisuuf karoorfamee ture keessaa 595,829 (89%) akka ce'an hojjetamee jira. Bifuma wal-fakkaatuun dubartoota mil 1.6 maddeewwan liqii adda addaa irraa qarshii bil 2.5 liqeefatanii fayyadamoo ta'aa ture dhuma 2012 bil 4.4 irraan gahuu fi qarshii bil 13.1 akka fayyadamaniif karoorfamee ture keessaa dubartoota 598,200 qr. mil 0.5982 liqeeffachuun fayyadamoo ta'anii jiru. Haata'u malee, laakkoofsi dubartootaa garee liqii fi qusannaatiin gurmaa'anii maallaqa miiliyoonaan lakkaa'aman harka dubartootaatti badaa jiruu fi kanneen nyaatamaa jiru laakkofsi isaa xiqqoo waan hin taaneef qabeenya kana qindeessanii gurmeessuun dubartoota deeggaruurratti rakkoon waan jiruuf WHG akka ce'aniif hojiin hojjatamaa jiru gaaffii keessa kan nama galchuuf yeroo itti aanu keessatti dhimmoota ijoo fi xiyyeeffannaa guddaa barbaaduu dha.

Gama biraatiin, dubartoonni abbaan qabeenyummaa isaanii akka mirkanaa'u gochuu keessatti abbaa manaa isaanii wajjinis ta'ee dhunfaa isaaniitti waraqaa eenyummaa abbaa qabeenyummaa lafaa akka argatan gochuuf hojii hojjetameen 2008 waraqaa qabiyyee lafaa abbaa manaa waliin kan argatan 73,661 fi kanneen kophaatti argatan 27,314 ture bara 2010 wal duraa boodaan 39,787 fi 95,412 waraqaa qabiyyee lafaa argatanii jiru. Haata'u malee, hojiilee mirga dubartootaa eegsisuu fi akka beekanii ittiin shaakalaniif hojin hojjatamaa jiru fooyya'aa jiraatus, lakkofsa dubartootaa waliin wal cina yoo ilaalame garuu baayyee gadi aanaa ta'uu isaa hubachuun ni danda'ama. Kanaafuu, qaamolee dhimmi ilaalu waliin haala fooyyee qabuun itti deemuun hojii hojjetamuu qabudha.

Bifuma walfakkaatuun, kallattii carraa hojii uumuu dubartoota hojii dhabeeyyii irratti hojjetameen yoo ilaalle baadiyaatti fayyadamummaan dubartootaa carraa hojii dhaabbii irratti bara 2008 %17 kan ture bara 2012 irratti %25 irra kan jiru yoo ta'u, waliigala baadiyaa fi magaalaan yoo ilaalame giddu galeessaan %33.8 irratti argama. Haata'u malee, carraan hojii uumamu dhibbentaa shantama shantama ta'uu otoo qabuu ammallee carraa guddaa kan argachaa jiru dhiira ta'uu waan agarsiisuuf karoora dhufu keessatti xiyyeeffannaa addaa barbaada.

C. Fayyadamummaa Hawaasummaa Dubartootaa Guddisuu

Barattoota shamarran harka qalleeyyii barachaa jiran barumsa isaanii akka itti fufan gochuuf deegarsa argatan bara 11,865 irra ture dhuma 2012 gara 288,135 ol-guddisuuf karoorfame kan ture 97,675 (%74.5) kan raawwate yoo ta'u, barattoota shamarran harka qalleeyyii 4,137 carraa barnoota bilisaa argatan dhuma KGT-II 5,913 carraawwan barnoota bilisaa akka argatan karoorfamee ture keessaa dhuma 2481 (%42) fayyadamoo ta'anii jiru.

D. Gurmaa'insaa fi Jaarmiyaalee Dubartootaa Cimsuu

Raayyaa misooma damee dubartootaa (RMDD) hanga 2007 dubartoota 4,601,251 ijaaraman keessa turan 8,000,000 ol-gudisuuf karoorfame xumura KGT-II irratti 4,886,306 irra gahee kan ture amma garuu hojii qabatamaa keessa kan jiran dubartoota mil 4.774 ta'uu isaa agarsiisa.

Hanga sekteroonni labsiin walitti deebi'anitti, karoora sekteroota 60 keessatti hirmaanaa fi fayadamuummaa dubartootaa fi eegumsa mirgaa fi nageenya daa'imanii hammatamuu isaa mirkaneefachuuf karoorfamee deeggarsaa fi hordofii sekteroota 55 taasifameen sekteroonni 40(72%) karoora mana hojiisaanii keessatti haammatamuun isaa mirkanaa'ee jira.

Akka waliigalaatti,gama fayyadamummaa dubartootaatiin ciminoonni mul'atan, adaan qusannoo dubartootaa dabalaa dhufuu, dubartoonni liqii fudhachuun diinagdee isaanii jijjiiruuf yaalii gochuu, idileessi dubartootaa fi daa'immanii hanga ta'e fooyyaa'insa kan qabu ta'uu fi dubartoota hojii dhabeeyyii ta'an hojiitti galchuuf hanga ta'e hojiin qindoominaan hojjetame gaarii ta'uu isaa ni mul'isa.

Ciminni kun akkuma jirutti ta'ee, hanqinaalee mul'atan keessaa isaan ijoon, raayyaa misooma damee dubartootaa (RMDD) kanneen duraan turan sababoota adda addaatiin harca'aa jiraachuu fi deeggarsi kennamaa jiru baay'ee laafaa ta'uu, rakkoo nageenyaa, harcaatii qindoomina sekterootaa fi kaayyoo dhaabateef akkaataa

barbaadamuun bahachuu dhabuu, koreen raawwachiiftuu sekterootaa sadarkaa barbaadamuun hojicha karaa guutuun xiyyeeffannaa itti kennuun raawwachuu dhabuu.

Dhiyeessii liqii waliin walqabatee dubartootni hojii dhabeeyyii ta'an ijaaramanii liqii dhabuu irraa kan ka'e hojii keessa galuu dhabuu fi ilaalcha dub/shamarranii bu'ura irraa jijjiiruu irrattis caasaan sadarkaan jirus ta'e raawwachiiftuu biratti rincicuun kan jiru ta'uu, calalliin IMX qul-qulinaa fi iftoomina kan hin qabne ta'uu fi liqiin kenname deebi'uu dadhabuu qajeelfamni liqii sirreeffamus ammallee qindoominaan qaamolee ykn sekteroota waliin hojjetamus WALQO biratti rakkooleen rincicummaa waan jiruuf dubartoota harka qalleeyyii bira kan hin qaqqabamne ta'uu.

Dubartoonni baadiyaas ta'ee magaalaa hojiiwwan madda galii argamsiisan irratti hirmaatanis oomisha isaanii irraa galii guddaa argachuuf bakka gurgurtaa oomishaa fi walitti hidhamiinsa gabaa dhabuu irraa kan ka'e oomisha isaanii gatii gad-aanaatti daldaltootaa fi dallaaloota dhuunfaatiif saaxilamaa kan jiran ta'uu fi bu'aa argachuu qaban argachuu dhabuu, haala qabatamaa shamarran harka qalleeyyii jiran waliin wal-qabatee jiru waliin yeroo wal-madaalamu carraan kennamaa jiru baayyee xiqqaa ta'uu, dhaabbilee barnoota dhuunfaa hundatti carraa jiru fayyadamuun keessattuu carraa barnoota sadarkaa ol-aanaa akka argatanii fi hojjettoota mootummaa sadarkaa barnootaan gadi'anaa ta'an kaffaltii mindaatiin xiqqaa waan ta'eef carraa guddaa ta'uu isaa hubachuu dhabuu irraa kan ka'e hanga barbaadamu deemuu dhabuu dha.

E. Gahee Murteessummaa Dubartootaa Guddisuu

Gama hirmaannaa siyaasaatiin, hirmaannaan dubartootaa qaamolee seera baastuu keessatti sadarkaa naannoo irraa kaasee hanga gadiitti jiru %47 kan irra gahee fi gama seera hiiktuutiin 2007 %3 ture hanga xumura 2012 %3 qofaa irra gahee kan jiru yoo ta'u, raawwiin hirmaannaa dubartoota seera baastuu sadrkaa barbaadamutti dhufaa akka jiru namatti kan agarsiisu dha. Hirmaannaan seera hiiktuu keessatti jiru

humna raawwachiisummaa isaanii irratti hojjechuun wal-qixxummaa isaanii mirkaneessisuun xiyyeeffannoo kan barbaadudha.

Gama muudamaatiin yoo ilaalle lakkoofsi gaggeessitoota dubartootaa yeroo gara yerootti dabalaa dhufeera.Gaggeessitoonni dubartoota Aanaalee fi Godinaalee 2007 %18 irra kan ture hanga 2012 sadarkaa Godinaaleetti %23 sadarkaa Aanaaleetti bara 2007 %23 hanga 2012 %18 fi sadarkaa naannootti %7 irratti kan argamu waan ta'eef dhimma xiyyeeffannoo barbaaduudha.

Dubartoota hooggansarra jiran humna raawwii isaannii akka cimu hojjetamaa tureen 2007 563 sadarkaa adda addaarratti dandeettiin humna raawwachiisummaa isaanii kan cime yoo ta'u, dhuma 2012 gara dubartoota 19,318 ol-guddisuuf kan karoorfame ture keessaa 17,869 (%92.5) raawwatee jira.

2. Eegumsa Mirgaa fi Nageenya Daa'immanii

A. Gurmaa'insa Daa'immanii Cimsuu

Daa'imman sirna dimokiraasii akka shakalanii fi mirga isaanis akka eegsifatan wajjirri Caffee Oromiyaa Qajeelfama Paarlaamaa Daa'immanii 2005 kan baase yoo ta'u, irra deebii bara 2011 bifa haaraan fooyya'ee sadarkaa hundatti akka hundaa'u ta'ee jira. Kanuma bu'urreeffachuun paarlaamaan daa'imman sadarkaa gandaa, aanaattii fi manneen barnootaa keessattis barattoota kutaa shanii hangaa 12 jiran akka keessatti hirmatan ta'ee jira. Bu'uruma kanaan, daa'imman mirga hirmaachuu fi sagaalee isaanii dhimmoota isaan ilaallatu irratti akka ibsatan/ sagalee isaanii dhageessifachuu akka danda'aniif gochuuf ijaaramoota/gurmaa'insa duraan turan 13,752 cimsuu fi haaraa 9,764 hundeessuuf karoorfamee ture keessaa 12,869(%90) fi haara 6,842 (%70) kan raawwatame yoo ta'uu ijaaramoonni cimanii dhimma biyyaa irratti yaadaa fi muuxxannoo dimokiraasii akka horatan taasifamee jira.

Giraafii 2.81: Ijaaramoota Daa’immanii Cimanii fi Haaraa Ijaaraman



Madda: Biiroo Dhimma Dubartoota, Daa’immanii fi Dagaggoota Oromiyaa

Bu’aan gama kanaan argames, daa’imman ijaarama isaanii keessatti hirmaachuun mirgaa isaanii beekanii shakaluu fi mana maree sadarkaan jiru keessatti hirmaachuun raawwii karooraa irratti yaadaa isaanii akka ibsatan taasifamee jira. Haata’u malee rakkoon gama kanaan mul’atu caasaan sadarkaa sadarkaan jiru ijaaramoota daa’immanii qindeessuu fi cimsuu irratti hanqinni kan jiru ta’uu, meeshaalee hojiif isaan barbachisuu guutamuu dhabuu, manneen maree sadarkaan jiran keessatti karaa guutuun hirmaachisuu fi yaadota isaanii hojiitti akka hiikamu taasifamuu dhabuun isaan ijoo waan ta’eef karoora itti aanu keessatti dhimma furamuu qabudha.

B. Mirgaa fi Nageenya Daa'immanii Kabachiisuu

Mirgoota daa’immanii hojiirra oolchuuf ilaalchoota dogoggoraa fi gochaalee hawaasa keessatti daa’imman irra gahaa jiru kanneen akka miidhaa qaama, miidhaa xiin-sammuu, qor-qalbii, saamicha humnaa fi daddabarsaa daa’immanii raawwatamaa jiru irratti ilaalcha hawaasa bira jiru jijjiiruudhaaf mirgoota

daa’immanii kabachiisuun mirgaa fi nageenya isaanii eegsisuuf qaamolee hawaasaa adda addaa mil 14 (dh 6.5 fi du 7.5) hubannoo kennuuf karoorfamee ture keessaa namoota 13,191,787 (dh 5,807,987 fi du 7,383,800) %94 raawwatee jira. Bu’aan gama kanaan argame, miidhaan daa’imman irraatti akka hin raawwatamne balaaleffachuu,ragaa bahuu, qaamaa fi bilbilaan odeeffannoo/eeruu kennuun rakkoo daa’imman irra gahu akka hir’achaa deemuu fi haqni akka mirkanaa’uuf hirmannaan hawaasaa dabalaa kan jiru ta’uu ,miidhaalee kana hambisuuf hawaasni haala qabatamaa isaaniitiin seera aadaa tumachuu fi hojiirra oolmaa isaaf dhiibbaa taasisuun mul’achaa dhufeera. Akkasumas, yakki daa’imman irratti yeroo raawwatu dhadachi daa’immanii iddoo heddutti hunda’ee daa’imman fayyadamoo ta’aa kan jiranii fi daa’imman miidhaan irra gahe dhimmi isaanii iddoo tokkotti akka ilaalamuuf tajaajila iddoo tokkoo hundeessuun qaamota yakki iratti raawwate irratti tarkaanfiin seeraa saffisaa fudhachuun hanga tokko fooyya’ee jira.

Haata’u malee, mirgi daa’immanii qixa barbadamuun hojjitti hiikamuu dhabuu, miidhaan daa’imman irra gahu baay’een isaanii fira dhiyoon kan raawwataman yoo ta’uu ilaalcha maqaa ykn firummaan addaan cita jechuun akka dhokatee hafu ta’uu, maatiin yakka raawwatanii daa’imman qabatanii mana sirreessa seenuu, iddoo ciisichaa fi barnoota dhabuun mirgoonii isaanii sarbamaa jiraachuun waan jiruuf karoora itti aanu keessatti dhimma xiyyeeffannoo barbaaduudha. Akkasumas, daa’imman gaa’eelaan ala dhalatanii, maatii harkaa qalleeyyii, diiggaa gaa’eelaa fi dhukkubsatoota kan ta’an anni guddisuu waan hin dandeenyeef mootumman narraa fuudhee haa guddisuun akka rakkoo tokkootti babal’achaa dhufaa waan jiruuf dhimma xiyyeeffannoo barbaadu ta’a.

C. Kunuunsaa fi Deeggarsa Daa'immanii Miidhaa Adda Addaatiif Saaxilaman

Waliigalteen mirgoota daa’immanii addunyaa, daa’imman haala rakkisaa keessa jiran haala addaatin eegumsi taasifamuufii akka qabu ni ibsa. Dhimma kana irratti hubannoo namootaa 9961,591 (dh 4,521,420 fi du 5,440,171) kennuuf karoorfamee ture keessaa 12,262,846 (dh 5,259,271 fi du 7,003,575) %100 ol kan raawwatame

yoo ta'u 2007 daa'imman kunuunsaa fi deeggarsa hawaasa bu'ureeffateen deeggaraman 369,000 turan jireenyii isaanii haala rakkisaa keessa kan jiran KGT-II keessa 1,240,567 ta'an qr 139,530,430 deeggaramanii jira. Kunis hubannoon hawaasaa dabaluu fi daa'imman hawaasa keessatti deeggaraman dabalaa dhufuu isaa agarsiisa.

Giraafii 2.82: Daa'imman deeggarsa hawaasaa bu'ureffate argatan bara baraan



Madda: Biiroo Dhimma Dubartoota, Daa'immanii fi Dargaggoota Oromiyaa

Akkuma giraafii kanaa ol jiru keessatti ilaaluun danda'amu deeggarsi hawaasa bu'ureeffate hawaasaaf taasifamu bara baraan dabalaa deemuu isaa nutti agarsiisa. Waan kana ta'eef tumsi hawaasaa daa'imman haala rakkisaa keessa jiraniif taasifamu bara baraan akkuma dabalaa dhufe karoora itti aanu keessatti caalmaatti itti fufuu qaba.

Daa'imman sababa adda addaatiin maatii isaan irra adda bahanii fi daandii irra jiraatan 15,081 maatii isaanitti deebisanii makuuf karoorfamee ture keessaa 14,924 gara maatii isaniitti kan deebi'an yoo ta'u, guddiffachaa biyyaa keessaatiin hojii kunuunsaa fi deeggarsa daa'imman gatamanii fi rakkoof saaxilamanii 6,855 guddifachaa kennuuf karoorfamee ture keessaa 5,401 (2,755 fi 2,646) filannoo guddifachaa biyya keessaa akka argatan taasisuun lammii gaarii ta'anii akka guddatan gochuun danda'ameera.

Akkasumas, daa'imman 7,138 maatii imaanaa yeroo gabaabaa fi dheeraa argatanii akka guddatan karoorfamee 5,360 maatii imaanaa argatanii jiru. Gama biraatiin, daa'imman dhaabbata keessatti guddisuun filaannoo isa dhumaa ta'uu baatus 1,793 karoorfame keessaa 1,257 kunuunsaa fi deeggarsa argachaa kan jiran yoo ta'u lakkoofsi dhaabbilee kanaa 62 irraa gara 33 gadi akka bu'uu fi fillannoo bira kanneen akka imaanaa kennuu, guddifaachaa mijeessuu fi hawaasatti makuun bakka bu'ee jira.

Haata'u malee, hudhaawwan jiran keessaa, sababa nam-tolchee fi uumamaan yeroo gara yerootti daa'imman haala rakkisaa keessa jiran dabalaa dhufuu, daa'imman daandiitti bahan dabalaa deemuu fi iddoon dandamannaa ykn daa'imman daandiirraa itti leenjia'nii maatiitti/hawaasatti deebi'an dhabamuu; sababa ammayyummaa bartee alaa galteetiin aadaa fi duudhaan hawaasni qabu laafaa dhufuu, haalli maatiin guddisa, kunuunsa, to'annoo fi hordoffii daa'immaniif taasisan laafaa dhufuu, daa'imman dhukkuba fajajaa (ootizimii) dhukkubsatan maatiin isaanii harka qalleeyyii ta'aniif haalli kunuunsaa fi barnoota itti argachuu danda'an mijeessuu dhabuu, daa'imman qaama miidhamoo ta'aniif manneen barnootaa mijataa ta'uu dhabuu; gumiin walgargarsaa haawaasa iddoo hundatti hunda'uu dhabuu irraa kan ka'ee deeggarsi daa'imman harka qalleeyyiif taasifamu bittinaa'aa ta'uun isaan ijoodha.

Giraafii 2.83: Daa'imman rakkoof saaxilaman filannoo adda addaatiin rakkoo isaanii furame



Akkuma giraafii kanaa olitti jiru irraa hubachuun danda'amutti, daa'imman baay'een maatiitti deebi'anii jiru. Kuni immoo daa'imman baay'een gara daandiitti ba'aa jiraachuu isaanii nutti agarsiisa. Gama biraatiin, giddifachaa biyya keessaa fi daa'imman imaanaan maatii biroo keessatti guddatan kuma shanii ol ta'us aadaa fi safuu sabni Oromoo qabuu irrati hubannoo isaan qaban xiqqaa waan ta'eef irratti hojjetamuu akka qabu namatti agarsiisa.

Giraafii 2.84: Tireendii daa'imman dhaabbata keessatti guddatanii



Madda: Biiroo Dhimma Dubartoota, Daa'immanii fi Dargaggootaa Oromiyaa

Giraafii kana kessatti hubachuun akkuma danda'amu, daa'imman dhaabbata keessatti guddatan yeroo gara yeroottii hir'achaa kan dhufe ta'uu nutti mul'isa.

Yeroo ammaa kana deeggarsi biyyoottan alaa irra argatu yeroo gara yerootti hir'achaa waan dhufeef, Kabineen Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa bara 2005 gaggeesseen baajeta hojii raawwachiistuu manneen hojii irra %2 sadarkaa naannoo hangaa aanaatti citee akka galuu fi kana keessaa %1 daa'imman haala rakkisaa keessa jiraaniif akka oolu bu'ureeffachuun daa'imman 410,414 baajeta %1 qarshii mil 150 deeggaruuf karoorfamee ture keessaa daa'imman 403,816(%98) baajeta 110,530,430(%73) kan deeggarsaa argachuu qabaniif qaqqabsiisuun rakkoo isaanii irraa hanga tokko dandamatanii barnoota isaanii akka baratan taasisuun danda'amee jira.

Haata'u malee, raawwiin karooraa baajeta %1 fi daa'imman deeggaramanii yeroo gara yerootti foyya'insa qabaatus sababa gulantaan herrega baajeta kennaa fi badhaasaa kan jedhu ta'uun mallaqichi dhimma biroof akka oolu karaa kan bane ta'uu, sekteroonni baajenni isaanii guddaa ta'e haala qajeelfama irra taa'een mallaqicha muruu irra hanguma isaanitti tole gulanticha irra kaa'uu, sekteroota tokko tokko biratti qajeelfamich dambiin kan hin deeggaramnee fi murtee kabinee qofaan baajeticha muruun bu'ura seeraa hin qabu jechuun baajeticha dhorkachuu, daa'imman maatiin yakka raawwatee mana sirreessaa waliin seenan deeggaruuf daa'imman 400 karoorfame keessaa 1,598 kan deeggaraman lakkoofsi dabaluun kanneen deeggarsa nyaataa, uffataa fi meeshaalee qul-qullinaa, manneen sirreessaa hunda keessatti daa'immaniif bifa walfakkaatuun iddoon addatti mijatee kan hin jirre ta'uun mana sireessaa keessatti hidhaman irra amaloota hin taane barachaa jiraachuu isaa gurguddoo waan ta'eef karoora itti aanu keessatti dhimma furmaata barbaadudha.

3. Misooma Dargaggootaa

A. Hubannoo Uumuun Sosochii fi Hirmaannaa Dargaggootaa Gudisuu

Hubannoo dargaggootaa uumuu fi cimsuudhaan sosochii dargaggootaa gama hundaan finiinsuu,hirmaannaa fi fayyadamtummaa isaanii mirkaneessuuf waggoottan shanan darban keessatti hojiin bu'a qabeessi hojjetamaa tureera. Haaluma kanaan, bara 2007 dargaggoota mil 4.1 mata duree adda addaatti hubannoon kennameef KGT-II keessatti dargaggoota mil 8.1 sochoosuuf karoorfamee ture keessaa mil 6.1(75.3%) (dh mil 4.2 fi du mil 1.9) imaammata, tarsiimoowwan, paakeejii, dhimmoota ijaarsa sirna dimokiraasii fi bulchiinsa gaarii, dhukkuba HIV/AIDS, barmaatilee miidhaa geessisan, miidhaa godaansa seeraan alaa, maalummaa sirna federaalizimii, hojimaata misooma dargaggootaa fi dhimmoota nageenyaa irratti hubannoon kennamaa tureera.

Gama biraatiin, hirmaannaa fi sosochii dargaggoota hunda galeessa ta'e uumuudhaan dargaggoonni kallattii mootummaa irratti hubannoo akka argatan, aadaa marii akka gabbifatan, gaaffilee hirmaannaa fi fayyadamummaa isaanii gara sadarkaa ol-aanaatti ceesisuuf taasifamu irratti gaaffii qaban mootummaaf akka dhiyeessan gochuuf aroota 2008, 2009, 2011 fi 2012 koonfereensii sadarkaa gandaattii eegalee sadarkaa nannootti kan goolabame yoo ta'u, gaaffilee dargaggootaatiif deebiin mootumman kennaa tureen bu'aaleen jajjabeessaa fi milkaa'ina qaban argamaniiru. Keessaattuu gaaffii liqii dargaggootaa waggaa dheeraadhaaf gaafatamaa ture carraan fandi liqii dargaggootaa akka uumamuu fi hojiirra oolu taasifameera.

Sagantaa kana irratti dargaggoota gahumsaa fi dandeettii kalaqaa 5,460 (dh 2,730 du 2,730) jajjabeesuuf karoorfamee ture keessaa 3,278 (dh 2,729 du 549) akka jajjabeeffaman taasifamee jira. Raawwiin Sagantaa koonfereensii KGT-II yoo ilaallu sababa gurmaa'insa haaraatiin 2010 kan hin gaggeeffamne yoo ta'u, diddaa fi qabsoon qeerroo fi qarree dangaa hanga daangaatti taasisaa tureen hirmaannaan dargaggootaa waggaadhaa waggaatti gadi bu'aa akka dhufe giraafii armaan olii irraa hubachuun ni danda'ama.

Hirmaannaa dargaggoonni dhimmoota isaanii fi hawaasaa irratti qaban yeroodhaa gara yerootti fooyyessuuf ajandaalee dargaggootaa boocuudhaan dargaggoonni naannoo jiraatanii fi baratan keessaatti akka waliin mari'atanii fi waliigaltee irra gahan shaakalsiisuuf taatewwan adda addaa 5 (shan) qopheessuun mil 5 (dh mil 2.55 du 2.45) hirmaachisuuf karoorfamee, taateewwan sadii (guyyaa dargaggoota adduunyaa, guyyaa dargaggoota Oromiyaa fi guyyaa HIV/AIDS) irratti dargaggoonni mil 4.6 (dh mil 2.35, du 2.25) 92% akka mari'atanii fi hubatan taasifamee jira.

Hubannoo dargaggootaa cimsuun bu'aawwan armaan olitti ibsaman kan gonfachiise ta'us, waltajjiin maree sadarkaan gaggeeffamaa ture kaayyoo waltajichaa waliin yeroo madaalamu ciccitaa fi bilchina kan hin qabaanne, rakkoo dargaggootaa irra

dhimma siyaasaa irratti kan xiyyeeffate, hoggansi sadarkaan jiru kan itti hin dhimminee fi dargaggoota hunda biraa ga'aa waan hin turreef, ilaalcha garaagarummaatti amanuu fi wal-danda'uu, ilaacha biyyoolessummaa, diimokiraasii dargaggoonni keenya baay'een isaanii kan hin naffeffanne waan ta'eef hololaa miidiyaa hawaasaatiin akka saaxilaman taasiseera.

Hirmaannaa hawaasaa malee misooma dargaggootaa milkeessuun waan hin dandaa'amneef dhimma dargaggootaa irratti hubannoo qaamolee hawaasaa cimsuuf dhuma KGT-I mil 4.8 irratti hojjetame gara mil 8 guddisuuf karoorfamee ture keessaa hawaasa mil 6.73 (dh 5.1, du 1.63) %84 dhimmoota idileessa dargaggootaa, ga'ee maatii fi hawaasaa irratti kennamee jira. Bu'aan irraa argames, dargaggoonni maatii isaanii irraa adda bahanii bakka biraa jiraachaa turan warratti akka deebi'an, maatiinis qabeenya qabu irraa ijoollee isaaniif akka qoodan taasifameera.

Hubannoo kenname booda hawaasni mil 4 misooma dargaggootaa irratti humna, beekumsaa fi qabeenya isaaniitiin deeggarsa ni taasisu jedhamee karoorfame keessaa mil 2.4 (60%) kan hirmaate yoo ta'u hirmaannaan kun qabbanaa'aa waan ta'eef hojiin baroota karoora tarsima'aa dhufu keessaatti xiyyeeffannaa addaa itti kennamee raawwatamuu qabudha.

Hirmaannaa dargaggoota keessaa inni tokko tola ooltummaa dargaggootaati. Bu'uruma kanaan, bara dhuma KGT-I hirmannaa tola ooltummaa dargaggootaa mil 4.3 ture dhuma KGT-II mil 7.5 guddisuuf karoorfamee ture keessaa mil 7.1 (%91.8) (dh mil 4.5 du mil 2.6) raawwatee jira. Hojii tola ooltummaa kanaan 2008 hanga 2012 baasii mootummaa qr bil 5.63 oolchuun danda'amee jira.

Sosochii uumame kanaan, walitti dhufeenyi isaanii akka cimu, ilaalchii fi amantaan waliinii akka uumamu, seenaa biyyaa fi uummata isaanii sirriitti akka hubatan, aadaa, duudhaalee, qabeenya uumamaa fi hambaalee akka beekanii fi eegan, akka kunuusanii fi faayidaa misoomaaf oolu taasisamee jira.

Akkuma giraafii kanaa olii keessatti ilaaluun danda'amu, tola ooltummaan dargaggootaa yeroo gara yerootti dabalaa deemeen baasiin mootummaan baasuuf malu guddaa hojii tola ooltummaatiin uwwifamee kan jirudha. Waan kana ta'eef, karoora itti aanu keessattis cimee dhimma itti fufuu qabudha.

B. Giddugala Badhaadhina Namummaa Dargaggootaa (GBND) Babal'isuu, Misoomsuu fi Dhaqqabamaa Taasisuu

Dargaggoota Naannoo keenyaa araadaa fi gocha badii irratti akka hin bobbaane, sammuu fi qaamaan cimanii duudhaa fi aadaa uummataa dhaaluu akka danda'anii fi dandeettii kalaqaa qaban akka dagaagfatan gochuudhaan lammii gama hundaan guutuu ta'e horachuudhaan misooma biyyaa keessaatti gahee isaanii ga'umsaan bahuudhan itti fufsiisuuf gaheen Giddugalli Badhaadhina Namoomaa (GBN) dargaggootaa ol-aanaadha.

Bu'uruma kanaan, GBN dargaggootaa babal'isuu fi hawwataa taasissudhaan tajaajila fedhii dargaggootaa irratti xiyyeeffate akkasumas haala dandeettii fi kalaqa addaa dargaggootaa guddisuu dandeessisuun meeshaalee tajaajila guutuu kennaniin akka guutaman akkasumas sirna bulchiinsa isaanii diriirsuudhaan fayyadamummaa dargaggootaa mirkaneessu hojjetama tureera.

Haaluma kanaan, GBN dargaggoota xumura 2007 irratti 232 ture dhuma KGT-II 1,335 irraan gahuuf karoorfamee ture keessaa GGBND 328 qofa ijaaramanii jiru. GGBND kunniin keessaa 252 tajaajila adda addaa kan kennaa jiran yoo ta'u istaandaardii tajaajilaatiin yoo madaallu, 3 sadarkaa moodela, 12 sadarkaa ol-aanaan, 27 giddugaleessaa fi 210 ammoo gad-aanaa irratti kan ramadaman dha.

GGBND kun tajaajila interneetii, e-laabiraarii, mana kitaabaa, leenjiiwwan gaggabaaboo addaa addaa, gorsa xiin-sammuu fi fayyaa, taphoota mana keessaa fi alaa, kaafteeriyaa fi tajaajiloota bashannana adda addaa kennaa jiru.

Bifuma walfakkaatuun, KGT-II keessatti GBND 352 deeggarsa meeshaa taasisuuf karoorfamee ture keessaa 122 (%34.6) deeggars meeshaalee kan taasifame yoo ta'u, GGBND kanneen tajaajila dhiyeessan fooyyessuudhaan itti qufiinsa dargaggootaa haga tokko akka dabalu taasifameera. Giddugaloota kana istaandardii adda addaatiin tajaajila kennaa jiran keessaatti dargaggoonni 3,456,456 fayyadamtoota akka ta'an taasifamee kan jiru yoo ta'u kana keessaa fayyadamummaan shamarranii %21 dha. Giddugaleessota ijaaramanii hojii keessa jiran keessaatti gumiiwwaan addaa addaa ijaarachuun hiriyyoota isaanii waliin marii taasisuudhaan dandeettii isaanii gabbifachuu danda'aniiru.

Haata'u malee, hoggansa biratti faayidaaleen giddugalli kun dargaggootaaf kennan hubachuu dadhabuu fi akka iddoo taphaatti gadi buusanii ilaaluu, baajeta ijaarsaa fi meeshaa gahaa ramaduu dhabuun, humna namaa ga'umsa qabu qacaruu dhabuu, bakka GGBND hojii biraatiif dabarsanii kennuu, raga qaama seerummaa kennuu dhiisuu, iddoon ijaarsaa kennamuu dhabuu fi hanqinni bu'uraalee misoomaa mudachuu dhimmoota fooyya'uu hin dandeenyee fi KGT-II keessattis rakkoolee misooma GGBND mudachaa fi hedduu yaachisaa ta'anii itti fufan waan ta'eef rakkoowwan kun GGBND akka barbaadametti hin babal'anne, tajaajila gahaa hin kenninii fi hawwataa ta'anii dargaggoonni hanga barbaadamu fayyadamtoota akka hin taane waan daangesseef dargaggoonni hojii yakkaa fi araada adda addaatiif akka saaxilaman taasiseera. Waan kana ta'eef, karoora itti aanu keessatti dhimma xiyyeeffannaa guddaa barbaadudha.

C. Fayyadamummaa Dargagootaa Guddisu

Dargaggoonni dhukkuba HIV/AIDS, barmaatilee miidhaa geessisan, dhukkuboota daddarboo biroo irratti 2007 mil 4.1 hubannoo argatan KGT-II keessatti dargaggoota mil 8.1 sochoosuuf karoorfame keessaa dargaggoota mil 7.1 hubannoon isaanii akka cimu kan taasifame yoo ta'u, dargaggoota 1,428,241 tajaajiala qorannoo dhiigaa qorataman keessaa 4,046 HIV/AIDS dhiiga saanii keessa akka jiru kan agarsiisu

ta’uun isaa ammallee hojii ittisaa fi to’annoo HIV/AIDS dagannaa guddaa keessaa kan jiru waan ta’eef dhimma xiyyeeffannoo barbaadudha.

Akka waliigalaatti fayyadamummaa dargaggootaa yeroo kaafnu dhimmi akka ijootti ilaalamu fayyadamummaa diinagdee isaanii mirkaneessuudha. Fayyadamummaa diinagdee dargaggootaa irratti hojiin hojjetamaa ture gurmeessanii hojiitti galchuu fi qacarriin gahee ol-aanaa qabu. Rawwiin dargaggoota gurmeessanii hojiitti galchuu hojii sekteroota adda addaatiin walharkaa fuudhuu fi kennuu keessaatti gahee qabaattonni gahee isaan ga’umsaan akka baahaniif gurmaa’insa hoggansa qindaawaan hojjechuuf yaalamaa tureera. Haa ta’u malee gurmaa’insi raawwattoota IMX kun hojimaata isaa eegee galma ga’iinsa carraa hojii dargaggootaa babbal’suuf kaa’ame milkeessuu irratti gurmaa’insa oggummaa wal-hin fakkanne gurmeessuu, liqii ramadame hojiirra oolchuu dhabuu, bakka hojii fi gabaa mijataa ta’e dhiyeessuu fi walitti hidhiinsa gabaa bu’a qabeessa ta’e uumuu dhabuun dargaggoonni hedduun gurmaa’insa irratti hubannoo argatanii gurmaa’uuf qophii ta’anii akka hin ijaaramne, kan ijaaramanis deeggarsa paakeejii guutuu argachuu dhabuudhaan dargaggoonni baay’een hojii malee akka hafan taasiseera.

D. Ga'umsa Jaarmiyaalee Guddisuu

KGT-II kana keessatti Dhaabbilee barnoota ol-aanaa, Dhaabbilee leenjii fi deeggartoota misoomaa waliin ta’uun gaggeessitoota jaarmiyaalee sadan keessaa babbaa’an 24,243 (dh13,009 fi du 11,234) leenjii jijjiirama hoggansa dargaggootaa, karoorsuu, qophii fi bulchiinsa pirojeektii, miidhaa shamarran irra ga’an, dhukkuboota daddarboo irratti kennuuf karoorfamee ture keessaa gaggeessitoota 16,134 (dh10,086 fi du 10,048) ta’aniif kennuudhaan ga’uumsi raawwachiisummaa isaanii akka cimu ta’ee jira. Haata’u malee, baay’inni fayyadamtootaa karoorfame %50 illee kan dhugoomse waan hin dandeenyeef sadarkaa gad-aanaatti madaalamee jira.

Sakatta'insa qorannoo haala dubartoota warshaalee keessa hojjetanii irratti gaggeessuun garaagarummaa kaffaltii dhiiraa fi dubartii jidduu jiru adda bahee jira. Haaluma kanaan, jijjiiramoota qorannoowwan darbanii fi marii darban madaaluun qorannichi jijjiiramoota armaan gadii agarsiisee jira. Haala qorannoo kanaan adda baheen warshaalee keessatti hojjettoonni dhiiraa fi dubartootaa hojii walfakkaatu hojjechaa jiraniif garaagarummaan kaffaltii bal'inaan mul'ataa ture baayyee dhiphachaa akka dhufe agarsiisa. Akkasumas, warshaalee bara darbe sakatta'aman 10 keessaa ijaarama waldaalee hojjettootaa kan qaban 2 qofa ture yeroo warshaalee 8 keessatti ijaaramni waldaa kan jiru yoo ta'u, gumiin shamarranii dura hin turre amma warshaalee 5 keessatti kan ijaaramanii mirga isaaniitiif hojjechaa jiru.

Haata'u malee, sakatta'iinsa warshaalee 23 keessatti haala dubartootaa geggeeffameen warshaalee %74 ol ta'u keessatti hojjettoonni yeroo qacaraman qacarrii seera qabeessaa fi gucoota barbaachisoo taa'an hunda guutanii waliigaltee sirrii ta'een waan hin qaxaramneef hojjettoonni hedduuminaan dubartoota ta'an yeroo barbaadan hiri'uu akka dandaa'anii fi kan barbaadan dhaabbii,kan barbaadan ammo hojjetootaa guyyaa kan taasisaa jiran ta'uun hubatamee jira. Waan kana ta'eef haga tokko fooyaa'insi kan jiru ta'us, ammas warshaalee keessatti mirga dubartootaa eegsisuun hojii guddaan akka hojjetamuu qabu namatti agarsiisa.

2.4.5. Misooma Hojjetaa fi Hawaasummaa

Karoora misoomaa Dhimma hojjetaa fi hawaasummaa nageenya induustirii mirkanneessuu, odeeffannoo gabaa humna namaa babal'isuu fi rakkoolee jireenya hawaasummaa hir'isuun dhuma 2012 seerri dhimma hojjetaa fi hojjechiisaa induustiriiwwaan oromiyaa keessa jiran keessatti kabajameera, tajaajila ragaa fi odeeffannoo carraa hojii babala'atee fi rakkoolee fi farreen jireenya hawaasummaa %20 hir'isuun rakkina keessaa basuu ture.

Yaadaa fi ergama bu'uraa kana giddu galeessa godhachuun dhima kana galmaan gahuuf raawwiisaa tokko tokkoon xiinxalamus caalmaan walitti dhufeenya hojii

hojjetaa fi hojjechiisaa,Dagaagina Misooma Nageenya Hawaasummaa, Gahumsa Odeeffannoo Gabaa Humna Namaa fi Bobba'insa hojii (Labour Market Information and Employment) ilaalchisee kallattii fi bu'aa barbaadamu fiduuf haala hojjetamaa ture gamaaggama kana keessatti ilaalamee jira.

1. Dhimma Hojjetaa fi Hojjechiisaa

Guddinni omishaa fi omishitummaa hariiroo hojii hojjetaa fi hojjechiisaa gidduu jiru irratti kan bu'ureeffate waan ta'eef hariiroo hojii kana cimsuun nageenya induustirii mirkanneessuuf Tajaajila Qunnamtii Induustirii, Tajaajila To'annoo Haala Hojii, Tajaajila Hubannoo fi Leenjii Kennuu isaan ijoo yoo ta'an hojiilee gurguddoo waggoottan shanan dabran kana keessatti karoorfamanii raawwataman haala armaan gaditti ibsameen dhiyaatee jira.

A. Hojii Hubannoo Uumuu

Dhimma hojjetaa fi hojechiisaa, fayyummaa nagummaa oogummaa fi toftaa falmii hojii itti hiikamu irratti hojii hubannoo uumuu Karooraa guddinaa fi tiraanisfoormeeshinii lammaffaa kana keessatti jaarmiyaa 15,000 karoorfamee jaarmiyaa 16,168 (%30) , hojjettoota 310,000 kennuuf karoorfame keessaa hojjettoota 304,133 (dh 177,570 fi du 126,563)%98.1 kennameera. Raawwiin kan agarsiisu ol-aanaa ta'u iyyuu jarmiyaaleen jiran 53,699 ragaa durfamee adda bahuun karooramuu dhabuun raawwiin kun %30 ta'uu agarsiisa.

Kanaafuu karoora tarsiimo'aa waggoota itti aanu keessatti humna rawwachisuummaa caasaa sadarkaan jiru dandeettii fi leecaalloo hojiif isaan barbaachisuun gahoomsuun karoora itti aanu keessatti karoora qul-qulluu raga qabeessa karoorsuu irraa kaasee raawwatamuu akka qabu agarsiisa.

B. To'annoo Haala Hojii

KGT-II keessatti Labsiin Dhimma hojjetaa fi Hojjechiisaa haala barbaadamuun hojiirra ooluu isaa mirkanneessuuf to'annoo bu'ura haala hojii sadarkaa duraa

/Routine Inspection/ induustirii 22,589 gaggeessuuf karoorfamee ture keessaa induustirii 22,062 (%98) keessattii raawwateera.

Karaa wal-fakkaatuun akkaataa Labsiin Dhimma Hojjetaa fi Hojjechiisaa fi Qajeelfama Waliigalaa Fayyummaa fi Nagummaa Oogummaa ajajuun naannoo hojii balaa irraa bilisa ta'uu isaa fi meeshaaleen ittisa balaa hojjetoota induustiriif haala barbaadamuun laatamuu fi isaa mirkanneessuu induustirii 22,409 keessatti to'annoo FNO duraa gaggeessuuf karoorfamee induustirii 18,062 to'annoo FNO hordoffii /Followup Inspection/ raawwatamee jira.

Haa ta'u malee waliigala baay'ina induustirii naannoo keenya keessa jiran waliin raawwin kun wal-cina yeroo ilaalamu Labsiin Dhimma hojjetaa fi Hojjehiisaa haala barbaadamuun hojiirra ooluu isaa mirkanneessuuf to'annoo bu'ura haala hojii sadarkaa dura /Routine Inspection/ fi hordoffii/Followup Inspection induustirii 53,699 keessa 22,062 (%41), 18,062 keessaa (%33.6) wal duraa duuban kan agarsiisu waan ta'eef karoora tarsiimo'aa waggoota itti aananii hojiilee ijoo raawwatamuu qabu dha.

C. Uwwisa Tajaajila To' Annoo Saamicha Humna Daa'imanii Ittisuu fi Dhabamsiisuu

Mootummaan Itoophiyaa saamicha humna daa'immanii ittisuu fi dhabamsiisuu ilaalchisee seerota adda addaa baasuu fi waliigaltee sadarkaa addunyaatti bahan mirkanneessuun sekteroota dhimmi ilaallatuun hojiirra akka oolu taasisaa jira. Labsii Dhimma Hojjetaa fi Hojjechisaa Lak. 1156/2011: Keewwata 89(2) irratti daa'imman umuriin isaanii 15 gad-ta'e hojii kam irratti akka hin qaxaramne.Waligaltee Addunya Ka'umsa Umurii Qaxarrii Lak. 138/1973 [Bara 1991 ALA Itoophiyaatti mirkannaa'ee fi waliigaltee addunya Ittisa Saamicha Sukkanneessaa Humna Daa'immanii Lak. 182/1999 [Bara 2003 ALI Itoophiyaatti] mirkannaa'ee jira.

Daa'imman haala gabrummaatiin dirqisiisanii hojjechiisuu kan jedhaman dhimmoota akka fakeenyatti xuqamuu danda'anii dha. Haala kanaan waggoottan shanan dabran keessatti uwwisa tajaajila to'annoo saamicha humna daa'immanii guddisuuf to'annoo 44,998 raawwachuuf karoorfamee 36,243 (%80.5) Kan agarsiisu ta'ullee induustirii waliigala naannicha keessa jiranii waliin walcinaa yoo ilaalaman %67 qofa ta'uu isaa agarsiisa.

Haa ta'u malee galma misoomaa itti fufinsaa "SDG 2030" ka'ame bira gahuuf hojii guddaan kan hafu ta'uu isaa waan agarsiisuuf karoora itti aanu keessatti irratti xiyyeeffatamee dhimma hojjetamuu qabuu fi galma misoomaa itti fufinsa SDG 2030 (by 2025 end child labour in all its forms) mirkanneessuun dirqama waadaa galmee ta'uu bira darbee gaaga'ama hawaasummaa fi miidhaa egeree dhaloota boruu irratti fidu hubatamee hojjetamuu qaba.

D. Balaa Induustirii Iddoo Hojii Qaqqabu Hir'isuu

Balaan iddoo hojii (industrial accident) taateewwaan karooraan alaa akka tasaa uumamuun qabeenyaa fi lubbuu namootarratti rakkoo ykn dhibee akkasumas qabeenyaa irratti miidhaa guddaa kan fidu dha. Balaawwan iddoo hojii KGT-II keesstti Induustiriiwwan gabaasa balaa dhiyeessan keessatti qaqqabee fi miidhaan isaan hojjetaa fi qabeenya irratti geessisan gabatee armaan gadii keessatti dhiyaatee jira.

Gabatee 2.47: Balaa Induustirii

Baraa	Jaarmiya Gabasan	Balaa Cimaa	Balaa Du'a	Waligala Balaa	Qarshii Qisaasame	Guyya Hojii Qisaasame
ka'u 2007	913	16,387	91	16,478	6,250,029.70	28,404.7
2008	129	2,009	12	2,150	383,351.15	3,580
2009	125	811	5	941	653,666.07	5,314
2010	139	1,370	8	1,517	938,967.81	4,092
2011	124	699	5	828	2,355,456.56	6,403
2012	-	30	6	36	-	38
Ida'ama	517	4,919	36	5,472	4,331,441.59	19,427

Madda: Biiroo Dhimma Hojjetaa fi Hawaasummaa Oromiyaa, 2012

Ragaan gabatee armaan olii balaa iddoo hojii jaarmiyaalee naannoo keenya keessa jiran keessatti gahu jedhu kun sababii jarmiyaalee hunda irraa hin qindoofneef guutummaa guututti midhaa waggoota shanan darban kana keessatti hojjetootaa fi qabeenya irra gahe ibsuu baatus jaarmiyaalee 517 irratti gahee yoo ta'u, balaa waliigala gahee 5,472, balaa du'aa hojjetaa irra gahe 36, maallaqa sababa balaa gaheetiin qisaasame qr 4,331,441.59 fi guyyoota hojii sababa balaa gaheen qisaasame 19,427 ta'uu isaa ilaalameera.

Jaarmiyaalee naannoo Oromiyaa keessa jiran 53,699 keessaa waggoota shanan darban keessatti Jaarmiyaaleen balaa iddoo hojii qaqqabe Jaarmiyaalee 1,430(%2.7) qofa akka ta'ee fi odeeffannoo balaa iddoo hojiitti qaqqabe wal-jijjiiruu irratti hanqinni guddaan akka jiru kan agarsiisu waan ta'eef karoora tarsiimo'aa waggoota itti aanaan keessatti bu'ura Labsii Dhimma Hojjetaa fi Hojjechiisaa Lak.1159/2011 balaa iddoo hojii hir'isuu fi ragaa fi odeeffannoo qindeessuu irratti xiyyeefatamee hojjetamuu akka qabu agarsiisa.

Fayyumaa fi nageenya hojjetaa mirkaneessuuf haala to'annaa (inspect) godhamu akka istaandardii ILO tiin/the ILO standard of inspector to worker ration 1:500) yoo ta'u, akka naannoo keeyaatti waliigala hordoffiin haala istaandaardii ta'ee waan hin jirreef akka biyyaaf naannootti qophaa'uun yoo hojjetame garii ta'a.

Gama biraan akkaata ibsa Dhabbataa Hojji Addunyaatti (ILO), biyyoota guddataa jiraan keessatti balaan iddoo hojii GDP biyyitti %4 akka gad-buusu ibsamee jira (source: Estimating the Economic Costs of Occupational Injuries and Illnesses in Developing Countries: Essential Information for Decision-Makers First published 2012). Kanaafuu balaa induustirii iddoo hojiitti gahu hojjetaa fi qabeenya jaarmiyaa miidhuu bira dabree midhaan guddina biyya keenyaa irratti fidu salphaa akka hin taane hubatamee akka naannoo keeyaattis irratti hojjetamuu qaba.

E.Tajaajilaa Qunnamtii Induustirii

Tajaajila qunnamtii induustirii jalatti tajaajilli kan akka waldaa galmeessuu, qaama seerummaa kennuu, hordoffii taasisuu, waliigaltee gamtaa galmeessuu, sirna marii gar-lamee fi sadee waarshaalee keessatti hojjetaa fi hojjechiisaa jidduutti uumamu, Sirna mareen qaamni lamaan waliin taasisan iddoo hojitti babal'isuuf jaarmiyaalee 2,201 keessatti diriirsuuf karoorfame jaarmiyaalee 2,028(%92) keessatti sirni marii gar-lamee fi sirna maree gar-sadees jarmiyaalee 1,063 keessatti diriirsuuf karoorfamee ture keessaa 978(%92) kan diriirfame yoo ta'u, induustiriiwwan naannicha keessa jiran waliin yoo madaalamu wal duraa duubaan %22 fi %1.8 qofa ta'uu waldaa hojjettoota waggoottan kudhan darban keessatti galmaa'ee jiru 612 qofa dha.

Baay'ina induustirii naannicha keessa jiraniin walcina yoo ilaalamu %6.7 akka ta'e agarsiisa. Kunis hojjettoonni waarshaalee keessaa jiran haalaan gurmaa'anii akka hin jirre kan namatti agarsiisu ta'uu isaa bira dabree waliigaltee gamtaa hundeeffachuu irratti hudhaa ijoo tokko ta'uu isaa agarsiisa. Rakkinni waldaan gurmaa'uu kan hojjechiiftota baay'inaan jiran faayidaa waldaan gurmaa'uu inni qabu hubannoon kennamuuf illee, ilaalcha qajeelaa dhabuun hojjetaan gurmaa'uuf socha'an karaa toftaa hojii irratti balleessaa akka raawwatan fakkeessuun tarkaanfii adda addaa hojjettootarratti fudhachuun sodaa uumuun hojjetaan akka hin gurmoofnee fi gara marii walligaltee gamtaatti seenee mirgaa fi faayidaalee adda addaa akka hin arganne waan taasiisaniif waldaan hojjettoota akkaataa barbaadameen hundaa'uu hin dandeenye.

Gochi kun mirgoota gurmaa'uu seeroota idil-adunyaa hojii konveenshinii ijoo lak. 87 fi 98 fi heera Itoophiyaa keewwata 31 fi labsii dhimmaa hojjetaa fi hojjechiisaa waliin kan waldhahu ta'uu isaa akkasumas galma "SDG 2030"(Protect labour rights and promote safe and secure working environments for all workers)ta'ee waliin baay'ee kan wal-irraa fagaatu ta'uu dha.

Meeshaan falmii hojii ittiin hiikamuu danda'uu keessaa tokko waliigaltee gamtaa hojjetaa fi hojjechiisa jidduutti uumamu waan ta'eef waliigaltee gamtaa haaraa 1,101 galmeessuuf karoorfamee ture keessaa waggoota shanan dabran keessatti WGG 154(%14) qofa akka raawwatame agarsiisa. waliigala jarmiyaalee oromiyaa keessa jiran waliin walcina yoo ilaalamu %2.7 akka ta'ee fi hanqinni guddaan gama hojii kanaatiin jiru karoora tarsimo'aa waggoota itti aanu keessatti qabamee gad-fageenyaan irratti hojjetamuu qaba.

2. Sagantaa Raawwii Hojii Qabeenya Humna Namaa fi Bobba'insa Hojii

KGT 2^{ffaa} (2008-2012) 2,493,450 [dh 235,751 fi du 235,751] ta'aniif aadaa hojii (work culture), gorsa ogummaa fi qunnamtii hojii irratti hubannoo akka argatan taasisuuf karoorfamee 4,940,313 (dh 3,193,578 fi du 1,746,735) hubannoo akka argatan taasifamee jira. Hata'u malee hojii dhabdoota akka Naannoo keenyatti jiran mil 7 keessaa raawiin kun yoo madaalamu KGT II %36 irra kan jiru yoo ta'u humna namaa hubannoo aadaa hojii irratti hin argatin hafe %64 ta'uu fi kunis ka'umsa karooraa irratti adda baasuun qaama hubanoo fudhatu kan agarsiisuu fi karoora itti aanuu keessatti sirnaan karoorsuun raawatamuu qaba.

A. Odeeffannoo Humna Namaa Hojii Irra Jiran

Karoora guddinaaa fi tiraansifoormeeshinii 2^{ffaa} keessa Odeeffannoo humna namaa hojii irra jiran 2,869,954 qindeessuuf karoorfame 4,083,044 kan adda bahee yoo ta'u sababiin karoora ol itti raawatameef babal'achaa dhufuun inveestimentii carraa qacaramuu waan heddummateef. Humni namaa hojiitti galuu qabu mil 7 keessaa %58 ta'u carraa hojiirra kan jiran yoo ta'u hojii keessa kan hin galiin %42 karoora waggaa itti aanan keessatti daran ilaalamuun ragaa humna namaa jiru beekuun karoora walii galaa misoomaaf gumaacha qabu xiyyeeffannoo kennuun hojjetamuu qaba.

Gabatee 2.48: Odeeffannoo humna namaa hojii irra jiran

Bara	Karoora KGT II(2008-2012)			Raawwii KGT II(2008-2012)			
	Dhi	Dub.	Id.	Bara	Dhi	Dub.	Id.
2008	172,197	172,197	344,394	2008	574,966	367,597	942,563
2009	229,597	229,596	459,192	2009	292,147	160,376	452,523
2010	286,995	286,996	573,991	2010	572,579	358,477	931,056
2011	344,395	344,394	688,789	2011	479,869	361,309	841,178
2012	401,793	401,794	803,587	2012	641008	274716	915724
2008-2012	1,434,977	1,434,977	2,869,954	2008-2012	2,560,569	1,522,475	4,083,044

Madda: Biiroo Dhimma Hojjetaa fi Hawaasummaa, 2012

B. Odeeffannoo Humna Namaa Hojii Hin Qabnee

Odeeffannoo humna namaa hojii hin qabnee karoora namoota 2,493,450 raawwii 3,034,204 adda bahuu danda'ee jira. Haaluma kanaan waliigala humna namaa naannoo keenyaa hojii hin qabne keessaa%43 kan raawatame ta'ullee carraan hojii jiruufi humni namaa barnoota olaanoo fi kollejoota TEVET adda addaa iraa bahan akkasumas baay'inni humna namaa bara baraan dabalaa kan deemu waan ta'eef kan hafe % 57 ta'u kan hin raawatamne waan ta'eef irratti xiyyeefatamuu qaba.

Gabatee 2.49: Humna Namaa Hojii Hin Qabne

	Karoora				Raawwii		
Bara	**Dhi**	**Dub.**	**Id.**	**Bara**	**Dhi**	**Dub.**	**Id.**
2008	37,721	37,721	75,442	2008	223,855	135,626	359,481
2009	448,821	244,411	448,821	2009	305,324	258,565	563,889
2010	249,345	249,345	498,690	2010	532,939	354,536	887,475
2011	643,415	276,808	920,223	2011	73,811	49,548	123,359
2012	299,214	299,214	598,428	2012	550,000	550,000	1,100,000
2008-2012	1,246,725	1,246,725	2,493,450	2008-2012	1463136	1,348,275	3,034,204

Maddaa: Biiroo Dhimma Hojjetaa fi Hawaasummaa Oromiyaa, 2012

Humni namaa carraa hojii babal'ina inveestimentii argameen karooraa olii ta'ullee baayina hojii dhabaa jiruu fi kanneen manneen barnoota sadarkaa adda addaa irraa bara baraan eebbifamee bahu waliin yoo ilaallu lakkoofsi hoji dhabaa dabalaa waan deemuuf ammallee bal'inaan irratti hojachuun murteessaa dha.

C. Ittisaa fi Too'annoo Gocha Seeran Alaa Nama Naannesuu fi Daangaa Ceesisuu

KGT-II (2008-2012) godaansi seeraan alaa fi gochi seeraan alaa namoota naannessuu, daangaa ceesisuu waggoota darban keessatti namoota 10,000,000 ta'aniif hubannoo kennuuf kan karoorfamee yoo ta'u waltajjii adda addaatti fayyadamuun namootni 14,308,795 %143 ta'aniif hubannoo kennuun danda'amee jira. Haata'u malee baay'ina uummata Naannoo keenyaa hunda bira ga'uuf raawwiin keenya %47 irra kan jiru yoo ta'u % 63 hafu karoora waggaa kurnan itti aanu keessatti hojjachuun akkuma jirutti ta'ee hojii hubannoo Godaansa seeraan alaa hir'isuuf qaamoolee adda addaatiin hojjetamaa ture keessatti bu'aan (jijjiiramni) argame raawwiin KGT-II baay'ina uummataa faana yoo ilaalamu xiqqaa dha. Sababni hojii hubannoo kennuu irratti hojjetaan akka barbaadamutti hawaasa bal'aa bira gahee marii jijjiirama fidu hojjechuu hin dandeenye.

Gabatee 2.50: Hubannoo dhimma Godaansa Seeraan alaa.

Bara	Karoora			Raawwii			
	Dh	Du	Id	Bara	Dh	Du	Id
2008	1,000,000	1,000,000	2,000,000	2008	923,240	780,594	1,703,834
2009	1,000,000	1,000,000	2,000,000	2009	923,240	780,594	1,703,834
2010	1,000,000	1,000,000	2,000,000	2010	2,036,331	1,949,963	3986294
2011	1,000,000	1,000,000	2,000,000	2011	2,019,280	1,928,291	3,947,571
2012	1,000,000	1,000,000	2,000,000	2012	1789464	1177798	2967262
2008-2012	5,000,000	5,000,000	10,000,000	2008-2012	7,079,889	7,228,906	14,308,795

Maddaa: Biiroo Dhimma Hojjetaa fi Hawaasummaa Oromiyaa, 2012

D. Sagantaa Raawwii Sirna Eegumsa Hawaasaa Diriirsuun Fayyadamummaa Lammiilee

Sirna Eegumsa Hawaasaa sadarkaa sadarkaan diriirsuun farreen jireenya hawaasummaa %7 irraa gara %62 tti hir'isuuf karoorfamee raawwiin isaa sakata'amee waanti mul'ate jiraachuu dhabuu ilaalamee jira.

Tajaajila eegumsa hawaasaa hirmaannaa uummataatiin galma gahuu fi dhaqqabamaa taasisuuf gumii walgargaarsa hawaasaa (CCC) jiru 57 irraa gara GWH (CCC) 6,000 guddisuu karoorfamee 4,900 (%82) yoo raawwatu Sirna Informeeshin Maneejimentii (MIS) Eegumsa hawaasa caasaa sadarkaan jiru biratti diriirsuun ragaalee qaama hawaasaa rakkoolee hawaasummaa qabanii, Sirna eegumsa hawasaa bifa wal-qunamtii fi qindoomina qabu hojiirra akka oolan sadarkaalee hundatti pilat foormii eegumsa hawaasaa 335 ta'e hundeessuuf karoorfamee raawwiin hin jiru.

Walumaa galatti hojiin sirna eegumsa hawaasaa diriirsuun sirna haaraa hunda'aa jiruu dha. Kunis hirmaannaa fi qindoomina qooda fudhattootaa waan barbaaduuf bifa qindoomee fi hordoffii fi deeggarsa addaatiin hojjetamaa waan hin turreef karoora misoomaa itti aanu keessatti hojiin kun xiyyeeffannoo naannichaa argatee tuumsa qooda fudhattootaa hundaatiin dhiyeessiiwwaan barbachisan hunda dhiyeessuun caalmatti fayyadamummaa qaamolee hawaasaa xiyyeeffannoo addaa barbaadanii dhugoomsuuf hojjetamuu qaba.

E. Tajaajila Nageenya Hawaasummaa Babalisuu Fayyadamummaa Lammiilee Guddisuu.

Qaama miidhamtoonni hirmaannaa sochii hawaas-diinagdee biyyattii keessatti godhan guddisuuf tajaajila haaromsaa fi hirkoo qaamaa (qaama nam-tolchee, hirkoo qaamaa, wiilcheerii, fiiziyootiraappii fi kkf) akka argatan kanaan dura kennamaa ture 26,089 irraatti 149,346 dabaluun gara 175,435 tti guddisuuf karoorfamee qaama miidhamtoonni 41,825 (%28) tajaajiloota haaromsa qaamaa fi hirkoo qaamaa argatanii jiru.

Qaama miidhamtoota 16,480 ta'aniif gargaarsa qaama nam-tolchee akka argataniif karoorfamee 5,227 (31.7%) qaama namtolchee akka argatanii fi misooma biyyattii keessatti akka hirmaatan ta'ee jira. Qaama miidhamtoota 13,894 hirkoo qaamaa fi qaama namtolchee argataniif hirkoon qaamaa kennamee yoo jalaa dulloomee fi laasha'e suphiif kan karoorfamee 4,871 (%35) ta'uuf tajaajilli suphaa kennameefii jira. Qaama miidhamtoota wiilcheerii barbaadan 2506f wiilcheerii kennuuf karoorfamee isaan keessaa kan 1770 (%70) ta'aniif kennamee jira.

Akka walii galaatis deegarsi qaama miidhamtootaaf godhamu yeroo gara yerootti fooyya'aa dhufus madda rakkoo kanaa sakatta'uun karoora itti aanu keessatti hoji-mataan rakkoo hawaas diinagdee isaanii furuun barbaachisaa ta'a.

2.4.6. Misooma Ispoortii

Ispoortiin hawaasa fayya qabeessa ta'ee, sammuu fi qaamaan gahoomee naamusa gaarii gonfachuun misooma keessatti qooda fudhachuu danda'u horachuuf murteessaadha. Misoomni ispoortii aadaa, duudhaa fi eenyummaa saba tokkoo beeksisuu fi guddisuurra dabree faayidaa dinagdummaa, tokkummaa, jaalala fi hariiroo hawaasummaa uummataa fi uummata gidduutti; biyyaa fi biyya gidduutti uumuun riqicha ta'ee kan tajaajiluudha.

Bu'uuruma kanaan Naannoon Oromiyaa misoomaa fi saayinsii ispoortii aadaa fi ammayyaa irratti uummatni akka fedhii fi dandeettii isaatti hirmaannaa isaa kallattii hundaan akka gabbatuu fi sosochii ispoortii keessatti hubannoo fi hirmaannaa dargaggootaa cimsuun ispoorteessitoota dandeettii fi ga'umsa guutuu qaban KGT-II kanaa keessatti baay'inaa fi qullqullinaan horachuun sadarkaa biyyaa fi idila addunyaatti dorgomaa ta'uuf xiyyeeffannaan hojjechaa tureera.

1. Gurma'insaa fi Ga' umsa Raawwachiisummaa Waldaalee Ijaaruu fi Cimsuu

Imaammatni ispoortii biyya keenyaa gurmaa'insaa fi ga'umsa raawwachiisummaa waldalee ispoortii; mana marii ispoortii, federeeshinoota ispoortii, koreewwan

ispoortii hawaasaa, kilabootaa fi gareewwan ispoortii ijaaruu fi cimsuun waliigala bu'ura uummatummaa akka qabatu taasisuun hojjetamaa tureera.

Haaluma kaanaan gurma'iinsaa fi gahumsa raawwachiisummaa jaarmiyaalee ispoortii 2007 keessaa 44,445 ture bara 2012 gara 94,260 guddisuuf karoorfame ture, jaarmiyaalee ispoortii mootummaa gurma'an bara 2012, 380 irra kan gahe yoo ta'u; gurma'insaa fi gahumsa humna raawwachiisummaa jaarmayaalee ispoortii ummataan gurma'an 83,132 irra gahee jira.

Gama biraan, galii ispoortii naannichaa akka cimuuf sochiin misooma ispoortii cimsuun maddoota galii isoortii qorachuun misooma ispoortii babal'isuu bara 2007 qr mil 43 sassaabamee ture bara 2012 gara qr mil. 288 ol guddisuuf karoorfame raawwiin hanga bara 2012 mil 172 (%60) sassaabamee jira.

Gurma'insaa fi ga'umsa raawwachiisummaa waldalee ijaaruu fi cimsuun madda galii adda addaa sassaabuun hojiileen hanga ammaatti hojjetamaniin fayyadamummaa uummataa gama siyaasa,diinagdee fi hawaasummaan dhugoomsuun ga'ee isaa irraa barbaadamuu ba'u keessatti shooraa olaanaa taphatus, hojimaataa fi gurmaa'insa isaa eeganii gaggeessuu dhabuu, abbummaan ispoortii hogganaa deemuu dhabuu fi kanneen gurmaa'anis sadarkaa federaalaa fi naannoo dorgommii keessatti hirmaachaa jiran gosa ispoortii muraasa waan tureef hojii xiyyeeffannoo barbaadu akka ta'e hubatamee jira.

2. Abbootii Qabeenyaa Investimentii fi Daldala Ispoortii Keessatti Hirmaachisuu

Misooma ispoortii guddisuu fi babal'isuu keessatti gaheen hawaasaa fi abbootii qabeenyaa murteessaadha. Investimantii ispoortii babal'isuun abbootiin qabeenyaa misooma ispoortii keessatti (ijaarsa bu'uralee misoomaa, tajaajilaa fi dhiyeessi ispoortii fi kkf) akka bobba'an taasisuun gahee misoomni ispoortii guddina diinagdee fi hawwaasummaa keessatti qabu akka cimu irratti hojjechuun barbaachisadha.

Haaluma kanaan abbootii qabeenyaa misooma ispoortii irratti bobba'an bara 2007 tti 10 ture bara 2012 tti 61 guddisuuf karoorfame hanga bara 2012 tti 44(%72) irra ga'ee jira. Misooma investmentii ispoortii keessatti abbootii qabeenyaa hirmaachisuun industirii fi daldala ispoortii babal'isuun carraawwan hojii investmentii fi daldala industirii ispoortii abbootii qabeenya naannoo keenyaa keessatti hirmaachisuun lammiileen 5,834 (%74.65) diinagdeen irraa fayyadamaa taasifamee jira. Haa ta'uu malee, misooma investimantii ispoortii karoora irraa raawwii jiru gaarii ta'us hubannoo fi amantaa abbootii qabeenyaa fi invastaroota cimsuun misooma invastimantii ispoortii irratti qooda akka fudhatanii fi industirii Ispoortii babal'isuu sosochiin taasifame laafaa waan ta'ef fayyidaalee dinagdummaa fi hawaasummaa sadarkaa barbaadamutti fiduun waan hin danda'amneef ciminaan kan hojjetamu ta'a.

Giraafii 2.85: Hirmaannaa Abbootii Qabeenyaa investiimentii ispoortii



Madda: Komishinii Ispoortii Oromiyaa, 2012

3. Bakkeewwan Oolmaa Ispoortii Babal'isuu

Bakkeewwan oolmaa ispoortii babal'isuun qaama seerummaa mirkaneessuu fi tajaajila ga'aa akka kennan taasisuu bara 2007tti 5,304 irra ture bara 2012 gara 7,265 babal'isuuf karoorfameen raawwiin hanga bara 2012 tti 12,952 irra ga'e jira. Qaama

seerummaa bakkeewwan oolmaa ispoortii mirkaneessuuf hojiin hojjetame jalqabbiin isaa gaarii ta'us kaartaa fi beekamtii qaama seerummaa duguuganii kennuu dadhabuu, hojii qindoomina hojjetamu laafaa ta'uu fi eegumsa fi kunuunsa bakkeewwan oolmaa ispoortii gochuu dadhabuu waan mul'atuuf xiyyeeffannoo itti kennamee kan hojjetamu ta'a.

Gama biraan, dhaabbilee leenjii ispoortii babal'isuu fi cimsuu bara 2007 giddu-galoota misooma ispoortii lama (2) ture bara 2012 giddu-galoota misooma saddeetii (8) babal'isuun karoorfame raawwiin hanga bara 2012tti 3 xumurame fi ispoorteessitoota bara 2007tti 135 ture 2012tti ispoorteessitoota 1812tti ol guddisuun karoorfame raawwiin hanga bara 2012 tti 536 bakka bu'oota gahumsaa fi dandeettii gahaa qaban horachuun humna dorgomummaa naannoo foyyeessuun hojjetamee jira. Haaluma kanaan Sadarkaa Naannoo fi Biyyooleessaatti ispoortessitoota guddatoota baay'inaa fi qulqulinaan horachuun jalqabbiin jiru gaarii ta'us tajaajilaa fi leenjii ispoortii gahaa akka kennan gochuuf hojii xiyyeeffannaa barbaaduudha.

4. Sagantaa Leenjii Guddatootaa Babal'isuu

Sagantaa Leenjiiwwan ispoortii guddattoota cimsuu fi ispoorteessitoonni bakka bu'oo ta'an horachuuf guddattootaa dandeettii fi ga'uumsa qaban guddisuun bu'aa qabeessummaa ispoorteessistoota mirkaneessuun buufataalee sagantaa leenjii ispoortii guddattootaa bara 2007tti 283 ture raawwin hanga bara 2012 gara 334 guddatee jira.

Leenjii ispoortii guddatootaa babal'isuun Ispoortistoota naamusaa fi dandeettii bu'uraan horachuun atleetota leenjii Ispoortii fudhate bara 2007tti 177 ture bara 2012tti 7,075 guddisuuf karoorfame raawwiin hanga 2012tti 8350(%100 ol) kan guddate yommuu ta'u, ispoorteessitoota jiddu gala leenjii naannoo galan 2007 hin ture bara 2012tti 250 guddisuuf karoorfame raawwiin hanga 2012tti 154 irratti argamuu fi ispoorteessitoota bu'aa qabiyyee jiddu gala leenjii biyyooleessaa galan 2007tti 40 ture bara 2012tti 100 guddisuuf karoorfame raawwiin hanga 2012tti 52 ga'ee jira. Buufataalee leenjii dabaluun hirmaannaa waldorgommii guddisuudhaaf carraa guddaa kan uumee fi Ispoortistoota naamusaa fi dandeettii qaban horachuun gaarii ta'us leenjitoota piroojektiin haammataman dhiisuun kanneen ciccimoo ta'an alaa hirmaachisuu, Ispoorteessitoota umuriin hin hayyamne hirmaachisuu fi leenjiiwwan kennaman qo'annoo fi qorannoon saayinsii fi teeknooloojii kan hin deggeramne ta'uun waan mul'atuuf xiyyeeffannaan kan hojjetamu ta'a.

5. Bu’a Qabeessummaa Isppoortii Naannichaa Fooyyeessuu

Waltajjiiwwan sosochii ispoortii diriirsuun hirmaannaa fi fayyaadamummaa hawaasa ispoortii hirmaachisuun sadarkaa dorgomummaa fi bu’a qabeessummaa naannichaa fooyyeessuuf hojiwwan hojjetamaa turaniiru. Pirojeektota guddattootaa, bu’aa qabeessummaa waldaalee ispoortii, ispoortii aadaa, federeeshinoota fi kilaboota gurmaa'an mirkaneessuun dorgomaa taasisuudha. Bu’uuruma kanaan, dorgommiiwwan gosa addaa addaa ispoortii aadaa fi ammayyaan sadarkaa sadarkaan jiru gaggeessuun ispoorteessitoota ga’umsaa fi dandeettii qaban horachuun sadarkaa biyyaa fi idil adunyaatti hirmaannaa dhimmamtootaa fi qooda fudhattootaa cimsuun hojjetamaa tureera.

Waltajjiiwwan wal-dorgommii fi feestivaala ispoortii gaggeessuu kanaaf waltajjiiwwan sosochii misooma ispoortii hawaasaa diriirsuun hirmaannaa uummataa bara 2007tti 14,662,729 irra ture bara 2012 gara 25,268,993 ol guddisuuf karoorfame hojiileen hojjetamaa tureen raawwiin hanga bara 2012tti %80 irratti argama.

2.4.7. Misooma Saayinsii, Teknooloojii fi Quunnamtii Odeeffannoo

Qorannoo, misoomaa fi ce'umsa teknooloojii fi kenna tajaajila saayinsii fi tekinoloojii fedhii misooma naannichaa bu’uureffateen industiriiwwan, yunivarsiitoota, dhaabbilee qo’annoo fi koolleejjota adda addaa waliin qindoominaan hojii teknooloojiiwwan waraabuu fi madaqsa; teknooloojiiwwan biyya keessaa fi alaa haala qabatamaa keenyaan hojii waraabuu ciminaan hojjetamaa jira. Haaluma kanaan misoomni saayinsii fi teknooloojii dhimmoota murteessoo kanneen akka qorannoo fi insipekshinii, misoomaa fi ce’umsa teknooloojii, babal’ina bu’uraalee misoomaa saayinsii fi teknooloojii, fi tajaajila saayinsii fi teknooloojii irra xiyyeeffatee raawwiin isaanii bara KGT- II kana keessa gamaaggamee jira.

1. Misoomaa fi Ce’ umsa Teknooloojii

Teknooloojiiwwan faayidaan hawaas-diinagdee oolan (mosaajii fi jibaajii), misoomsuun gara dhaabbilee itti fayyadamaanii fi babal’isaniitti ceesisuu, teekinoloojiiwwan biyya alaatti kalaqaman barbaaduu, filachuu, gara biyyatti galchuu, maamileessuu fi ceesisuun naannicha keessatti fayyadamummaa hawaasaa guddisuudha.

Misoomaa fi ce’umsa saayinsii fi teknooloojii bara KGT II mosaajiiwwan 25 misoomsuuf karoorfamee mosaajota hojmaata manneen hojii adda addaa dijitaaleessan, ragaawwan adda addaa ittiin kuusanii fi marsariitiiwwan adda addaa 23 (%92) misoomsuun sarvarii irratti fe’amee jira. Mosaajota kanneen hojiirra oolchuudhaan hojimaata manneen hojii mootummaa 25 hammayyeessuuf karoorfameen walumaagalatti hojmaatoota 18 (%72) (sirna hoggansa ragaa/ DMS manneen hojii 4 misoomsuu, sirna kennaa tajaajilaa 9 eliktiroonaawaa gochuu fi marsariitii manneen hojii 5) maanuwaalii irraa gara qabiyyee dijiitaalaawaatti jijjiramee tajaajila kennuu eegaleen raawwiin kun hoj-maatoota manneen hojii kanneen ammayyeessuu irraa darbee sirna tajaajilaa saffisaa, qulqulluu fi dhaqqabamaa ta’ee deddeebii, dhamaatii fi baasii tajaajilamaa hir’isee jira.

Haaluma walfakkaatuun teknooloojiiwwan jibaajjii (hardware) 17 bara 2012tti misoomsuu, biyya keessaa fi biyya alaa irraa barbaaduu fi maamileessuun gara dhaabbilee babal’isanitti ceesisuuf karoorfameen raawwiin teknooloojiiwwan 2 (%12) oomisha kophee gogaaf oolan dhaabbata misooma industirii gogaa Federaalaa fi dhaabbata misooma sibiilaa Federaalaa waliin ta’uun gara dhaabbilee IMX teknooloojiiwwan kana babal’isuu danda’aniitti ceesisuuf pirootootaayippiin isaanii qophaa’e jira.

2. Babal’ina Bu’uuraalee Misoomaa Saayinsii fi Teknooloojii

Babal’ina bu’uraalee misooma saayinsii fi teknooloojii guddisuuf sarara cimdaa waradaaneetii diriirsuu bara 2007tti 824 ture bara 2012tti 4,279 (manneen hojii naannoo, godinaa, bulchiinsa magaalaa fi aanaalee) keessatti diriisuudhaaf karoorafameen manneen hojii mootummaa 2,091 (manneen hojii naannoo 44, waajjiraalee godinaa 451, waajjiraalee bulchiinsa magaalaa 346 fi waajjiraalee aanaa 1,250) %49 keessatti diriirsuun tajaajila akka kennan ta’ee jira.

Giraafii 2.86: Baay'ina Cimdaa Bara 2008-2012 Keessa Diriirfamee



Madda: Abbaa Taayitaa Saayinsii fi Teknoologii Oromiyaa, 2012

Hawaasa fayyadama TQO taasisuu fi carraa hojii uumuu bara 2007tti wiirtuuleen hawaasaa 46 ture bara 2012tti 51 irraan gahuuf karoorfamee raawwiin wiirtuulee TQO 16 hundeessuun 62(%121.5) irraan gahuun danda'amee jira. Haaluma wal fakkaatuun bu'uraalee kanneen babal'isuun, hawaasa bal'aa qaqqabamaa fi fayyadamaa taasisuuf bara 2012tti kaaffeewwan saayinsii magaalota 10 keessatti hundeessuuf karoorfamee raawwiin magaaloota 5 hundeessuun (%50) karoora qabame irraa raawwatamee jira. Manneen yaalii saayinsii fi teekinoloojii bara 2012tti 10 hundeessuuf karoorfamee raawwiin (manneen yaalii xixxiqqoo 2) kan miidhaa teekinoloojii fi bu'aalee teknooloojii qaqqabsiisan hordofuu fi tarkaanfii sirreeffamaa fudhachuu kan dandeessisan hundaa'ee jira.

Tajaajila 'mailserver' bara 2007tti manneen hojii 335 (naannoo, waajjira godinaalee fi bulchiinsa magaalota muummee) bara 2012 gara 395 guddisuuf karoorfameen raawwiin manneen hojii 358 (manneen hojii naannoo 54, godinaalee 20, bulchiinsa magaalotaa 19 fi aanaalee 265)

%90.6 tajaajila kennamee jira. Akkasumas tajaajila weeb-poortaalii manneen hojii 93 (manneen hojii naannoo 54, godinaalee 20 fi bulchiinsa magaalota muummee 19) kennuuf karoorfameen raawwiin manneen hojii 68 (naannoo 46, godinaalee 20, bulchiinsa magaalotaa 2) %73.12 irratti argama.

Gama biraatiin tajaajila bulchiinsa wiirtuu daataa 24/7 itti fufinsa an tajaajila kennu addaan ciccitiinsa (down time) %50 ol irra kan ture gara %10 gad- buusuuf karoorfamee %25 gad bu'een tajaajilli wiirtuu fooyya'iinsa qabaatus saffisaan dabalaa dhufuun industirii TQO, tiraansfoormeshinii tajaajila elektiroonawaa akka biyyaatti eegalamee naannoo keenyaattis babal'ataa jiru, pirojeektii digiitalaayzeshinii manni hojii keessatti eegalee guddina teknooloojiiwwan "e-finance, e-commerce, e-government" fi kkf waliin yoo xiinxalamu wiirtuun daataa baay'ee gadi bu'aa fi jijjiiramoota kana xiyyeeffannaa keessa kan hin galchine ta'uu agarsiisa.

Kenna hayyamaa fi gahumsa daldala TQO dhaabbilee dhuunfaa kennaman bara 2007tti 285 ture bara 2012tti 1,800 irraan ga'uuf karoorfameen 1,747(%97) raawwatamee jira. Bu'aan kenna hayyamaa fi gahumsa daldalaa TQO irraa argamee raawwii karoora waliin yeroo madaalamu hawaasni meeshaalee TQO dhiheenyaan argachuu, hojii dhabdummaa fooyyeessuu keessatti gahee guddaa kan agarsiisedha.

Eegumsaa fi misooma hojiiwwan qabeenya sammuu: mirga uumee, mallattoo daldalaa fi mirga waraabbii barbaaduu, galmeessuu fi mirgi qabeenyummaa isaanii akka kabajamu taasisuu bara 12012tti hojiiwwan qabeenya kalaqa sammuu adda addaa 200 galmeessuuf karoorfameen raawwiin 163(%81.5) galmeeffaman keessaas kanneen ulaagaalee guutanii dhufan 75 mirga isaanii kabachisuuf karoorfamee 48(%64) mirga isaanii akka eegamu taasifamee jira.

Fedhii fi sossochii kalaqaalee naannoo keenya keessa jiru olaanaa ta'us hubannoon abbootii kalaqaa tajaajila kana argachuuf carraan jiru gadi aanaa ta'uu, tajaajilli kennamu sadarkaa federaalaatti qofa ta'u isaatiin tajaajilli kennamu qaqqabamaa

ta’uu dhabuun abbootiin kalaqa sadarkaa barbaadamutti tajaajila kana baayinaa fi qulqullinaan argachuu hin dandaeenye. Kanaafuu, karoora tarsiimoo dhufu keessatti fedhii fi kalaqa hawaasa keessa jiru dhaqqabamaa taasiisuuf hojii eegumsa qabeenya sammuu hedduun kan hafu ta’uu agarsiisa.

2.4.8. Misooma Bulchiinsaa fi Qabeenya Namaa

Misoomni Qabeenya Namaa Oromiyaa, dagaagina aadaa hojii jaarmiyaalee mootummaa, ijaarsa humna raawwachisummaa fi raawwii qajeeltoowwan bulchiinsa gaarii milkeessuuf waggoota shanan darban kana keessatti bu’aa toora xiyyeeffannoo qabame fi manii kaa’ame milka’uu isaa xiinxalli akka armaan gaditti gaggeeffamee jira.

1. Raawwii Manneen Hojii Fooyyessuu

Kaayyoo tarsiima’aa kana milkeessuuf sanadoonnii leenjii adda addaa qopheessuun karaa qindoomina qabuun meeshaale jijjiiramaa irratti leenjii kennun, deggarsaa fi hordoffii akkasumas, raawwiin tarsiimoo isaanii madaalamaa ture jira. Haala kanaan jalqaba KGT-II manneen hojii raawwii tarsiimoo isaanittin sadarkaa ol-aanaa fi darán ol-aanaa keessa galan 4 turan xumura KGT-II 26 irraan gahuuf karoorfame manneen hojii 15 (57.6) akka raawwatamee fi manneen hojii hoggansa raawwii sirnaan hojiirra olchan 100% irra ga’uuf karoorfamee 100% raawwatamee jira. Akka walii galaatti, safartulee lamaan armaan oliin yoo ilaallu 78.8% irra jiraachuu agarsiisa. Kanaaf, deggarsii fi hordoffiin taasifamu raawwii waliigalaa manneen hojii kan hammatu ta’uu dhabuu, manneen hojii duubdeebii isaaniif kennamu sirnaan hojirra olchuu dhabuu fi leenjiin kennamu fedhii irrattii kan hin hundoofne, haala itti fufinsa qabuun gahuumsaan kennamu dhabuun waan mul’atuuf karoora itti aanu keessattii rakkoowwan kun akka hin mudanneef xiiyyeeffannoon hojjechuudha.

2. Sirna Kaffaltii Onnachiiftuu fi Faayidaalee Fooyyessuu

Kutanno, Kaka'uumsaa fi bu'aa qabeessummaa hojii hojjettootaa dabaluuf sirna onnachiiftuu, faayidaalee fi guddina sadarkaa isaanii fooyyessuuf hojjiwwan hojjetamaa tureen sirna kaffaltii onnachiistuu fi faayidaalee foyyeessuuf qorannoowwan 10 fi qajeelfamoota 25 qopheessuuf karoorfame, qorannoo tokko fi qajeelfama sadiitu qophaa'ee. Dabalataanis gosoota onnachiiftuu fi faayidaale 15 qopheessuun hojirra olchuuf akkasumaas gaaffiiwwan kaffaltii, onnachiiftuu fi faayidaale 20 dhiyaataniif deebii kennuuf karoorfame gostii onnachiiftu sadii yoo qophaa'u gaaffiiwwan kanaan walqabatanii dhiyaatan lamaaf deebiin kenname jira.

Akka waliigalaattii kaayyoon tarsiima'aa kun safartuuwwan armaan oliin yoo madaalamu %30 irra jira. Akka Labsiin qaamoole hojii raawwachiiftuu irra deebiin gurmeessuuf bahe keeyyata 18/31 irratti manni hojii kun gosa kaffaltii durgoo, onnachiiftuu adda addaa fi iskeelii mindaa qorachuun Mana Maree Bulchiinsa Mootummaa Naannichaatiif dhiyeessuu, mirkaneessisuu fi hojirraa oolchuuf aangoo kan qabu ta'uu isaa kan agarsiisu ta'us, dhimmi kun fedhii mootummaan Federaalaa qabu irrattii kan rarra'e ta'uun isaa rakkoo uumaa waan jiruuf hojii itti aanu keessatti furmaanni itti barbaadamuu qaba.

3. Kenniinsa Tajaajilaa Fooyyessuu

Kenniinsa tajaajiilaa manneen hojii mootummaa kennaa jiran haala fedhii lammii yookiin maammila giddu galeessa godhateen sirreessuun, argannoowwan meeshaalee jijjiramaa (rifoormii) yeroo yeroon argaman sakatta'uun, siiviil sarvaantii beekumsaa fi teeknoloojii ammayyaatiin hidhachiisuu, miira tajaajiltummaa fi ilaacha gaarii horate uumuun sirni kenna tajaajilaa manneen hojii mootummaa akka fooyya'uuf hojii hojjatamaa turen meeshaalee qinda'aa hojirra akka olchan fi istaandaardii hojii qoratame jirun akka raawwatan taasiisuuf karoorfame walduraa dubaan %67 fi %62 irraa akka jiran fi manneen hojii itti quufiinsa maammiila isaanii sadarkaa olaanaa fi isaa ol geessisan 26 ga'uuf

karoorfamee manneen hojii 15(%57.6) irra kan jiruudha. Kanaafuu, kaayyoon kun safartuule ragaan irrattii sassaabame sadaniin yoo madaallu %74.8 irra akka jiru agarsiisa. Kanaaf, hoggansi mana hojii dhimmoota meeshaalee qinda'aa fi istaandaardii kenna tajaajilaaf xiyyeeffannoo kennuun hojjechuu fi haala itti fufinsa qabuun kenna tajaajiila manneen hojii fooyyeessuuf deggarsaa fi hordooffii barbaachisu kennuudhaan karoora itti aanu keessattii haala hoggansa qabeenya namaa fi aadaa hojii paabiliik sarvisii fooyyeessuu irrattii xiyyeeffachuun murteessaa dha.

4. Gurmaa'iinsaa fi Hojmaata Manneen Hojii Mootummaa Fooyyesuu

Gurmaa'insaa fi hojimaata manneen hojii foyyeessuu waliin walqabate hojii hojjetameen 2007 %78.7 irra ture xumuraa KGT-II %94 irraan gahuuf karoorfame raawwiin isaa %88 irra akka jiru agarsiisa. Haata'u malee, gurmaa'insaa fi hojimaata mijataa manneen hojiif uumamuun wal walqabatee gama gahee hojii itti gaafatamummaa ibsuun adda baasanii beeksiisuu fi fedhii gurmaa'insaa dhiyaateef deebii hatattamaa kennu irratti foyya'insi kan jiru ta'us, gama sadarkaa raawwii bulchiinsa gaarii fi deggarsii fi hordoffiin taasiisutiin immo hanqinni akka jiru nu agarsiisa. Akka ragaan hoggantoota, ogeessootaa fi maammiiltootaa sadarkaa godinaa fi bulchiinsa magaalaa jiran irraa sassaabame agarsiisutti gurmaa'insaa fi hojimaata mijataa ta'ee manneen hojii keessatti diriirsuu fi fedhii gurmaa'insa manneen hojii dhiyeessan qorachiisuun deebii gahaa ta'e kennu irrattii rakkoon akka jiru waan kaasaniif karoora itti aanuu keessatti xiyyeeffannoon irratti akka hojjatamu gaafata.

5. Raawwii Seeroota Bulchiinsa Qabeenya Namaa Foyyeessuu

Raawwii seera, Danbiiwwanii fi Qajeelfamoota qabeenya namaa naannichaa manneen hojii keessatti sirnaan hojiirra oolchuun ergama mana hojii haala guutuu ta'een galmaan gahuu akka danda'aanii fi rakkoole bulchiinsa gaarii gama kanaan uumamuu hir'isuuf hojiin hojjetamaa turuun ni beekama. Haaluma kanaan, bara

2007 raawwii seerootaa Bulchiinsa qabeenya namaa %82.2 irra ture xumura 2012 %91.6 irraan gahuuf karoorfamee raawwiin isaa %43.5 irra akka jiruu dha. Gadi bu'uu raawwii kaayyoo tarsiima'aa kanaaf sababni ol- iyyannoowwan fi komiiwwan ramaddiin 'JEG'bara 2011 manneen hojii hunda keessatti gaggeeffamee fi sirreeffamni iskeelii mindaa bara 2009 taasifameen ol-iyyannoon fi komiin akka ol-guddatu taasisee jira. Dabalataan manneen hojii mootummaa sadarkaa sadarkaan jiran keessatti raawwiin seeroota qabeenya namaa akkaataa labsii, danbiilee fi qajeelfamoota qabeenya namaa biiroo pablik sarvisii fi misooma qabeenya namaa baaseen hojii irra oolchaa kan hin jirre ta'uu fi iddoo badiin raawwatameetti tarkaanffiin seeraa kan hin fudhatamnee fi gaafatamummaan seeraa kan hin jirre waan ta'eef xiyyeeffannoon ilaalu gaafata.

6. Itti Fayyadama TQO Guddisuu

Uwwisa TQO ilaalchisee % 90 irra ture % 98 irraan gahuuf karoorfamee raawwiin isaa %75.51 qofa dha.Gama biraan Itti fayyadama TQO dabaluuf hojii hojjetamaa tureen % 90 irra kan ture xumura KGT-II %95 irraan ga'uuf karoorfamee %76.84 irra akka jiru agarsiisa. Akka waliigalaatti itti fayyadama TQO guddisuu haala karoorfameen kan hin raawwataminii fi raawwiin isaa baay'ee kan gad bu'e waan ta'eef bara karoora tarsiimoo itti aanu keessatti xiyyeeffannaa cimaan guddaan hojjatamuu qaba.

7. Gahumsa Dubartoota Paabilik Sarvisii Guddisuu

Gahee dubartoonni gama hundaan manneen hojii keessatti qaban guddisuuf hojimaata mijataa ta'e diriirsuu, humna raawwachiisummaa isaanii guddiisu, seeroonni, danbiiwwanii fi qajeelfamoota bahan hirmaannaa isaanii kan guddisan akka ta'aanii fi rakkoo ilaalchaa hawaasni dubartoota irratti qabu akka fooyya'u taasisuun fayyadamummaa isaanii akka mirkanaa'uu gochuu irratti karoorsuun hojiin hojjatamaa turee jira. Haaluma kanaan, Gahumsa dubartootaa paabliik sarvisii guddisuuf gama carraa barnootaan %40, leenjii kennu irratti %50 irraan gahuuf karoorfame raawwiin walduuraa dubaan %28.3 fi 27.5 irra kan jiru yoo ta'u gaheen dubartootaa siviil sarvisii keessattii qaban %50 irra gahuuf karoorfame raawwiin

isaa %34 irra gahee jira. Kanaafuu karoora itti aanu keessatti gaheen dubartoota paabiliik sarviisii keessatti qaban sadarkaa yaadamee biraan gahuuf xiyyeeffannoon dhimma irratti hojjatamuu qabudha.

8. Dandeetti Raawwachisummaa Humna Namaa Foyyeessuu

Dandeetti raawwachiisummaa qabeenya namaa fooyyessuun hojii ijoon qabeenya namaa waliin kan walqabatuu dha. Haala kanaan mannii hojii keenya dandeettii raawwachiisumaa qabeenya namaa foyyeessuuf hojjettoota 300,000 leenjisuuf karoorfamee raawwiin 156,559 (%52.2) yommuu ta'u, fedhii leenjii adda bahee deebii argate ilaalchisee waggaa shan keessattii 10 karoorfame karooraan ol 18 (%180) hojjetamee jira. Akka waliigalaatti galmaa gahiinsa kaayyoo tarsiimowaa kana yommuu ilaallu gahuumsaa fi bu'aa qabeessummaa paabliik sarvisii naannichaa fooyyessuuf carraan barnoota gama mootummaatiin kennamaa jiru dabalaa kan deemu ta'uus, barbaachisummaansaa sirriitti beekamee kanarra hojjatamu qaba.

2.4.9. Dhimma Uummataa fi Misoomaa

Baay'inni uummata naannoo Oromiyaa akkaata lakkoofsa Manaa fi Uummataa marsaa 3ffaa biyyoolessaa bara 1999 A.L.I gaggeeffameen gara mil 26.9 kan ture yoo ta'u dhuma 2012 /KGT-II/ gara mil 38.8 akka ta'e ni tilmaamama. Baay'inni uummata naannichaa waggaatti jiddu galeessaan yeroo amma gara %2.6 guddataa jira. Kanarraa kan ka'e baay'inni uummataa amma armman olitti caqasamee (mil 38.8) dachaan dabaluuf gara waggaa 27 akka itti fudhatu ni tilmaamama. Kunis kan ta'e Oromiyaa keessatti dubartiin umurii dahumsaa keessa jirtu (umurii 15 hanga 49) giddu-galeessan dubartiin tokko ijoollee shanii ol (5.4) akka deessu ragaan Ejensii Isaatistiksii Biyoolessa irraa bahu ni mirkaneessa. Ragaa kana naannoolee ollaa keenyati argamanis ta'e kan biyyoolessaa waliin wal-bira qabnee yoo ilaallu guddaa waan ta'eef yoomiyyuu caalaa kaayyoo fi kallatti imaammata dhimma uummataa irratti hojiin qindomina gama hundaan kan barbaachisu ta'a.

Haaluma kanaan imaammata dhimma uummataa akka biyyatti bara 1985A.L.E(1993 A.LA) bahee kaayyoon isaa inni guddaan ijaarsa sirna diinagdee jajjabeessuudhaan haala guddina baay'ina uummata karooraan to'achuun garaagarummaa guddina lakkoofsa uummataa fi gadi- aanaa omishtumma diinagdee jiru hanbisu/dhabamsiisu kan jedhu isa tokkoo dha. Hojii kana dhugoomsuufis qindomina dhimmamtoota (stakeholders) jiddu jiru cimsuun hojiirra oolmaa imaammataa dhimma ummataa irratti qaamolee kana waliin ta'un dhimma uummataa,walhormata fayyaa, karoora maatii fi kan biroo irratti danddeetti raawwachistummaa,leenjii gaggabaaboo,hubannoo gaggeessitootaaf/ogeessota/ hawaasa kan gabbisan fi kkf laalchisee hojiin bal'inaan hojjetamaa tureera.

Haaluma kanaan, KGT-II keessatti hojilee gurguddo gama hojiirra olmaa dhimma uummataa akka naannoo keenyatti raawwatame ilaalchisee xiinxala gaggeessuun ciminaalee, hanqinaalee fi rakkoolee hojii KGT-II keessatti quunnaman akka armaan gadiitti dhiyaata.

1. Hojii Qindoominaa

Hojiilee qorannoo Immaammataa fi tarsiimoo misomaa fiixaan baasuuf taarsiimoo taa'een hojiilee qorannoowwan gaggeessuu, dandeettii raawwachisummaa cimsuu…kkf irratti dhaabbilee adda addaaa waliin qindoominaan hojjechuuf karoorfameen dhimma uummataa fi misomaa fi qorannoo irratti hariiroo gaariin uumuun danda'ameera. Haaluma kanaan, dhaabbata Mit- mootummaa DSW fi CCRDA hariiroo uumameen leenjii dhimma uummataa fi wal-hormaata fayyaa Naannichaa irratti kennamaa turaniif deeggarsa teekinikaa fi maallaqni argachuun danda'ameera. Akkasumas, deeggarsa maallaqa Dhaabbata CCRDA argameen Dhaabbata OBN waliin sagantaan dhimmoota uummataa fi misooma Raadiyoon akka darban ta'eera yeroo amma kanas darbaa jira hanga Onkoloolessa bara 2013tti ALI.

Imaammata dhimma uummataa Biyyaaleessaa bara 1985 bahe akka Naannootti hojiirra oolchuuf carraaqqii godhamuun walqabatee hojiilee dhimma uummataa fi misoomaa hedduun raawwatamaniiru. Dhimma Uummataa fi Misooaa Naannichaa irratti barreeffamoota gaggabaaboo qopheessuun hubannoo ogeesootii fi qaamooleen adda addaa qaban furuuf dokumantiiwwan walittihidhiinsaa fi dhiibbaa dhimma uummataa fi misoomaa hawaasummaa fi diinagdee Naannichaa gidduu jiru agarsiisan dokumantii “Population and Development indicators” jedhu waggaa waggaa fi bara 2011 immoo dokimentii "Populations Images of Oromia" jedhu qopheessuu fi maxxansiisuun qaama dhimmi ilaaluuf akka raabsaman ta’eera.

Haala walhormaata “Fertility” Naannoo Oromiyaa Xiinxaluu : haallii walhormaata “Fertility” Naannichaa essaa gara kamiitti deemaa akka jiruu fi hudhaalee gama kanaan mul’atan addaan baasuuf xiinxala gaggeessuuf karoorfamee ture akkaatuma karooraatiin bara 2012 keessa kan xumurame yoo ta’u, bu’aan xiinxalichaa qamoolee adda addaatiif dhiyaatee mariin irratti gaggeeffameera. Bu’aa xiinxalichaas qaama dhimmi ilaaluuf kennuun galtee qophii karoora waggoota shanan dhufanii qophaa’aa jiruuf akka oolu ta’eera.

Xiinxala Walitti Hidhiinsaa fi Dhiibbaa Uummataa fi Misoomaa: bara 2012 keessa haala xiinxala dimoogiraafii, misooma hawaasummaa fi diinagdee fi uumamaa irratti dokumantii gababaa qopheessuuf karoorfamee ture haaluma karooraan gara xumuraa irra gaheera. Xumura bara baajeta kanaatti gutummaan guutuutti goolabamee fayyadamtootaaf kan raabsamu ta’a.

Qorannoo haala tajaajila fayyaa haadhoolii Naannoo Oromiyaa: Qorannoon kanaan dhaabbilee fayyaa mootummaatiin tajaajila fayyaa haadhoolii kennamaa jiruun walqabatee ciminaalee fi hanqinaalee jiran addaan baasuuf ture.Qorannoo kana Biiroo Eegumsa Fayyaa Oromiyaa waliin kan gaggeeffamaa ture yoo ta’u qorannichi bara KGT II xumura kana (2012) keessa xumuruun bu’aa qoranichaa qaama qophii karoora misoomaa Naannichaaf kennuun qophii karooraaf galtee akka ta’u ta’eera.

2. Leenjii Dandeettii Raawwachiismmaa Cimsuu

Dhimma uummtaa fi misoomaa: Hubannoo hooggansi Naannoo keenyaa dhimma uummataa fi misoomaa adda addaa irratti qabu cimsuuf bara KGT II darbe kana keessatti mata dureewwan adda addaa akka "Policy Dialogue on Population and Development of Oromia Regional State", Population Dynamics in the Context of Sustainable Development Goals/SDGs/,Integration of Population and Reproductive Health issues in to Regional Development Planning" jedhuun dhimmootni uummataa biyyaaleessaa fi naannoo keenyaa adda addaa irratti ooggantoota manneen hojii naannoo fi Dura taa'oota Koree Dhaabbii Caffee Oromiyaa, fi dura buutota Dhaabbilee mit- mootummaa 285 akka hubannoo argatan gochuuf karoorfame keessa namootni 287 ta'an akka barnoota argatan ta'eera. Bal'ina rakkinichaa fi baay'ina namoota barnoota kana argacahuu qaban waliin yommuu ilalamu baay'eee gad -anaadha.

Dhimma ummataa imaammataa, karooraa fi gamaaggama misoomaa Nannoo gaggeeffamu keessatti akka haammatamu ykn akka ilaallamuu deemuuf bara KGT-II darbe kana keessatti ogeessoota manneeen hojii Naannoo fi waajjiraalee Karooraa fi Misooma Diinagdee godinaalee fi bulchiinsa magalootaa 455 leenjii kennuu karoorfamee ogeessoota 387(%85) ta'aniif leenjii kenuun raawwatameera.

3. Rakkoolee Gurguddoo Dhimma Uummataa fi Misoomaa Addaan Bahan

Dhimma uummataa ilaalchisee hooggansaa fi ogeessotni Naannichaa sadarkaa sadarakaan jiran hedduun hubaannoon isaan dhimma uummataa fi imaammata dhimma uummataa biyaaleessa irratti qaban laafaa ta'uu fi siyaasaan walitti hidhuu bal'inaan mul'ata. Haala dimogiraafii biyyaa fi naannichaa keessa jiru hubachuu dhabuu fi faayidaa gama kanaan argamu danda'u akka hin argamne taasiseera. Kana irraa kan ka'e, walitti hiidhiinsa dhimma uummataa fi misoomaa xiinxalaa fi sirreeffama fudhachaa deemuuf xiyyeeffannoon kennamu laafaa akka ta'u taasiseera.

Kana malees hojiin qorannoo dhimma imaammataa ummataa fi misoomaa dandeettii ol'aanaa fi ogummaa adda addaa "professional mix" kan gaafatudha. Haa ta'u maleee, haala qabatamaa amma jiruun gurmaa'ins isaa rakkina kan qabuu fi baayyinni ogeessotaa jiranii (lama qofaa)gahaa miti.

Xiyyeeffannoo ol-aanaa kennuu dhabuu: Hojiin dhimma ummataa fi misoomaa hojii xiyyeeffaannoo ol'aanaa gaafatuu ta'us xiyyeeffannaan kennamaa ture gadi aanaadha.

Hanqina qindoominaa jiraachuu: Hojiin dhimma uummtaa fi misoomaa walqabatee jiru hojii Imaammataa Dhimma Uumataa Biyyaaleessaan bahee jiru hirmaannaa fi qindoomina caasaalee mootummaa, dhaabbilee mit-mootummaa, deeggartoota misomaa fi hawaasaatiin akka naannootti hojiirraa oolchu kan gaafatudha. Haa ta'u malee, akka Naannichaatti hojiilee dhimma uummataa irratti hojjetamaaa turanii fi bu'aalee gama kanaan argaman hojiilee bifa bittina'aa hojjeetamaniin kan argame;

Sirni Imaammataa dhimma imaaammata Biyyaaleessuu hojiirra oolfamu diriiruu dhabuu: Regional population plan of action" dhabuum Akkaataa imaammata dhimma uummataa keessa ta'een sadarkaa sadarkaan qaamni hordofuu fi gamaaggamu dhaabbachuu fi karoorri waloo dhimma uummtaa Nannichaa /regional population plan of action" jiraachuu dhabuu fi akkaataa qindoominni itti uumamu "Guideline" jiraachuu dhabuu fi dhabamuu ta'uu isaa.

Qorannoo fi xiinxalli Dhimma uummataa fi misoomaa Naannichaa yeroo yeroon gaggeeffamuu dhabuu: Naannichaatti walitti dhufeenyaa fi dhiibbaa dhimmi uummataa misooma irraatti qabu yeroo yeroon gaggeessuun kallattii sirrii ka'aa deemuu dadhabuu. Ragaa dhimma uummataa haala qabatamaa agarsiisu yeroo yeroon argachuu dhabuun akka rakkootti jira.

4. Dhimmoota Xiyyeeffannooo Barbadan

Imaammata dhimma uummataa wajjin haala wal-qabateen hojiiwwan hojjetamaniin jijjiramaa fi bu'aa argame qorachuun milkaa'ina argaman addaan baasuun kan hin jirre waan ta'eef karoora itti aanu keessatti dhimma xiyyeeffannoo itti kennamu barbaadudha. Gama gurmaa'insaa fi humna namaa ilaalchise jiru sirritti ilaalamu kan qabu ta'u. Sirna hordoffii fi gamaaggama hirmaachisaa ta'e hojii irra oolchuun hanqinoota hojii keessatti mul'atan dirree bahuu hordofuu fi gabaasa qindeessuun yoo jiraatellee, qaama raawwatuuf duub-deebii kennuun hojimaataa fi raawwii pirojeektota fooyyeessuu keessatti bu'aan argame quubsaa miti. Hordoffii fi gamaaggamni gegeffamaa turees haala karoorfameen yeroo isaa eeggatee geggeeffamuun bu'aa barbadame fiduu hin dandeenye. Kanaafuu, hordoffii fi gamaaggama yeroo isaa eeggate geggessuu fi qamaa dhimmi ilallatuuf duub deebii barreeffamaa kennuun dhimma xiyyeeffannoo barbaaduudha.

2.4.10. Dhimmoota Hojii Kominikeeshiinii

Dhiimmoota Kominikeeshinii Mootummaa sirna kominikeeshiinii ammayya'aa, si'ataa fi bu'a-qabeessa ta'e diriirsuun mootummaa fi uummata gidduutti yaa'insi odeeffannoo qulqulluu ta'e akka jiraatu taasisuun, ilaalcha biyyaalessaa dagaagsuu, hirmaannaa fi fayyadamummaa uummataa guddisuu fi maqaa gaarii naannichaa roga gaariin ijaaruu irratti waggoota shanan darban kana keessatti bu'aa toora xiyyeeffannoo qabame fi manii ka'aame milkaa'uu isaa hubachuuf xiinxalli akka armaan gaditti gaggeeffamee jira.

1. Hojiiwwan Keenninsa Odeeffannoo

Uummanni naannoo keenyaa dhimmoota wayitawwaa fi iftoomina barbaadan irratti ejjennoo mootummaa ifa gochuu, odeeffannoo gaha akka argatu gochuu fi ka'umsa hojii midiyalee taasiisuuf barreefamoota ibsa ejjennoo mootummaa balballomsan 135 qopheessuuf karoorfamee 138 (%102) raawwatameera. Akkasumas, Bu'aa xiinxala ykn sakata'insa yaada uummataa fi miidiyaa monitaringii gaggeeffamu

ka'umsa taasisuun dhimmoota haala yeroo fi iftoomina barbaadan irratti milkaa'inoota karooraa fi raawwii gurguddoo mootummaa ajandawwan 80 bocuun miidiyaaf kennuuf karoorfamee 136(%170) raawwatameera. Raawwiin kunis kan ol ka'u danda'ef, haala yeroo naannoo keenya keessaa tureen wal qabatee, taateewwan uumaman baay'achuurraa kan ka'eedha. Dabalataan dhimmoota kanneen haala yeroo, Karooraa fi raawwii hojiilee gurguddoo, dhimmoota uummata biratti iftoomina barbaadan fi taateewwan garaagaraa irratti ibsa miidiyaa 820 kennuuf karoorfamee 727(% 88.6) raawwatameera.

Hojii miidiyaatiif ka'umsa akka ta'uuf barreeffama oduu (press release) 400 qopheessuf karoorfame 387(% 96.75) raawwate jira. Akkasumas dhimmoota mootummaan iftoomina akka argatan barbaadurratti miidiyaa hunda humni danda'e hirmaachisuudhaan duula miidiyyaa geggeessudhaaf yeroo 20 hirmaachisuudhaaf karoorfamee 17(%85) Raawwateera.

Gabatee 2.51: Raawwii Hojiiwwan kenninsa Odeefanno 2008-2012

Safartuu	Manii Wag-5	2008		2009		2010		2011		2012		Raaw/ Waggaa 5	Raawwii wag-5 %
		Kar	Raw	Kar	Raaw	Kar	Raaw	Kar	Raa w	Kar	Raaw		
Ibsa ejjannoo	135	27	25	27	29	27	28	27	30	27	26	138	102
Ajandaa miidiyaalee Bocuu	80	16	27	16	30	16	32	16	23	16	24	136	170
Ibsa miidiyaa	820	164	143	164	149	164	142	164	147	164	146	727	88.6
Barreefama oduu	400	80	77	80	79	80	79	80	78	80	74	387	96.75
Miidiyaa Qindeessuu	200	40	35	40	37	40	38	40	38	40	33	181	90.5
Duula Miidiyaa	20	5	3	5	4	5	3	5	4	5	3	17	85

Madda: Biiroo Kominikeeshinii Mootummaa Oromiyaa, 2012

2. Oduu Mootummaa Qopheessuun Tamsaasuu

Oduu mootummaa1 74,980 qopheessuun gaazexaa kallachaa, miidiyaa elektironiksii,akkasumas, miidiyaalee hawaasaatii fi chaanaloota xixxiqqaan odeeffannoo kennuuf karoorfamee 417,185 raawwatameera. Raawwiin kun kan ol ka'eef caasaan miidiyaa hawaasaa mana hojichaa keessatti waan diriirfameef, akkasumas jijjirama akka biyyaa fi naannotti umameen walqabatee sosochiin jiru olaanaa ta'u danda'eera.

Caasaan kominikeeshinii sadarkaan jiran Artikiloota 5,720 qopheessuun Gaazexaa kallacha Oromiyaa irratti, miidiyaa hawaasaa, chaanaalota tamsaasa xixxiqqaa, barruulee fi biroosharoota akkasumas, raadiyoo hawaasaa garaagaraan akka tamsa'aan taasisuuf karoorfamee 10,159 raawwateera. Sababnii raawwiin kun olka'eef immoo karoorrii erga qophaa'e booda caasaan midiyaa hawwaasaa mana hojichaa keessatti waan diriirfameef.

3. Gaazexaa Kallacha Oromiyaa Maxxansiisuu fi Raabsuu

Gaazexaa Kallacha Oromiyaa kooppii 9,167,600 maxxansiisuu fi raabsuuf karoorfamee, kooppii 9,336,890 raawwatameera. Haaluma kanaan, Gurgurtaa Gaazexaa kallacha Oromiyaarraa qarshiin 9,167,600 sasaabuuf karoorfamee qarshii 6,264,681(%68) raawwachuun dandaa'ameera. Sababiin raawwiin kun gad-aanaa ta'ef, hordoffiiifi deeggersa caasaa sadarkaan jiruu laafaa ta'uu, galiin qaamaa biraatiin kan sassaabamu waan ta'eef gara fuula duraatti sirreessuu gaafata.

4. Hojiiwwan Qorannoo Kominikeeshinii fi Misooma Miidiyaa

Odeeffannoo guyya-guyyaan miidiyaaleen biyya keessaa fi alaan tamsa'an, 1,200 xiinxaluun sanada ka'umsa hojii kominikeeshinii qopheessuuf karoorfamee 1,314 raawwachuun dandaa'ameera. Qorannoo yaadaa fi gaaffii uummataa hatattamaan dhimmoota adda addaa irrattii geggeessu akkasumas taateewwan nam-tolchee fi uummamaa guyyaa guyyaan dhaqaban dhimmoota dhaqabamummaa motummaa

barbaadan irratti qaama dhimmi isaa ilaallatu biraan gahuuf guyyaa guyyaan dhimmoota 92,040 irratti gaggeessuu, xiinxaluu fi bu'aa argame ka'umsa hojii kominikeeshinii fi galtee karooraa taasisuuf karoorfamee 69,194 (%75) raawwatamee jira. Yaadii uummataa sassaabamu bilchina dhabuu, gaaffii fi komii hawaasarra sassaabamutti deebiin hataatama waan hin kenamneef abdii kuturraan kan ka'e raawwiin kun gad-bu'aa ta'eera.

2.4.11. Oromiyaa Birooddikastingii Neetwoorki [OBN]

Oromiyaa Biroodikastingi Neetwoorki hundeeffama isaa irraa eegalee qabiyyee qulqullina qabu, wayitaawaa,madda odeeffannoo dhugaa irratti hundaa'uun karaa hawwataa ta'een hordoftoota isaa biraan karaa TV, Raadiyoofi Miidiyaa Haarawaatiin ga'aa tureera. Bu'uuruma kanaan raawwiin gamaaggama KGT-II haala armaan gadiin dhiyaatee jira.

1.Hojiilee Gurguddoo Miidiyaan Hojjetaman

Oduuwwan Raadiyoo fi qabiyyee misooma diinagdee, hawaasummaa, siyaasaa, bulchiinsa gaarii, nageenya, ijaarsa sirna dimokiraasii, aadaa, aartii fi k.k.f, 27,375 hojjechuuf karoorfamee 28,504, Televizyinii 35,226 hojjechuuf karoorfamee 43,089 raawwatameera. Raawwiin Oduuwwan Televiizyinii karoora qabamee ol kan ta'eef tamsaasni Afaan dabalaataan (Afaan Somaalii, A/Arabaa, A/Kiswaahilii fi AfaanTigireen) waan eegalee fi fooyya'iinsa bifiyyee (Format) ,sa'aatiin tamsaasa oduu TV dabaluusaatiin qulqullina qabiyyee hunda ol OBN erga Biraandingii fi Jijjiirraan maqaa ogeessaan qoratamee Mootoo ''sagalee uummataa'' jedhuun qilleensarra ba'ee as fudhatamummaa fi hawwattummaan isaa daran fooyya'eera.

Gabatee armaan-gadii irraa akka hubatamutti rawwiin baay'inaan daran olaanaa fi manii qabamee ol raawwatee jira.Haa ta'uu garuu kaayyoon tamsaasa sagantaalee fi odeeffannoo adda addaa qaqqabummaa fi jijjiirraa hawaas diinagdee uummatichaa irratti hubannoo geeddaruun argame fi bu'aa jiruuf jireenya irratti dhufe adda baasuun karoora itti aanuu keessatti xiyyeeffannoo keessa galuu qaba.

Gabatee 2.52: Gamaggama Raawwii Hojiiwwan Gurguddoo Waggaa shanii (2008-2012)

T/L	Hojiilee	Ka'umsa 2007	Manii 2012	Raawwii waggaa shanii	%
1	Oduu Raadiyoo AM	15,144	27,375	28,504	104.12
2	Oduu Raadiyoo FM	-	4,476	5,390	120.42
3	Oduu Televizyinii	15,144	35,226	43,089	122.32
4	Sagantaalee Raadiyoo AM	7,788	15,725	17,433	110.86
5	Sagantaalee Raadiyoo FM	-	2,649	3,403	128.46
6	Sagantaalee Televizyinii	7,788	16,910	16,943	100.20
9	Miidiyaa Haarawaa	-	64,697	65,373	101.05
10	Galii gale miliyoonaan	40	441,600,000	422,336,033.10	95.64
11	Baajeta hojiirra oole	94.3	1,370,671,4	1,214,350,602.59	88.60
12	Buufataalee Tamsaasa OBN Buufata TV-16, Buufata FM-14 ,Buufata MW-3, Buufata SW-1	"	30,600	30,600	100

Madda: Oromiyaa Biroodkaastiing Neetwoorkii, 2012

2. Hojiilee Gurguddoo Teekinoloojii Miidiyaan Hojjetaman:

Teekinoloojiin Miidiyaa OBN tamsaasni geggeeffamu karaa qulqullinaa fi hawwataa ta'een addaan citiinsa malee hordoftoota bira akka ga'uu fi galtewwan qabiyyeef barbaachisan dabaluun karaa buufataalee tamsaasa Raadiyoo, TV fi miidiyaa haarawaatiin akkasumas Saatalaayitiin gargaaramuun hojjechaa tureera. Tamsaasa tueen hordoftoota biyya keessaa fi biyya alaa irraa dub-deebii argachuun galtee hojii woggoottan itti aanan keessatti karoora keessattii galee raawwiin bu'a argamee karaa adda addaatiin safaramee agarsiisuu ta'uu qaba.

2.5. Sektaraalee Haqaa fi Nageenyaa

Hojiilee gurguddoo fi ijoon qaamolee haqaa fi nageenyaa inni guddaan olaantummaa seera kabachiisuun nagaa fi tasgabbii naannichaa mirkaneessuu fi nageenyaa amansiisa ta'e fiduudha.Hojiin bulchinsaa fi nageenyaa humnaa caasaa nageenyaa cimsuudhaan nageenyaa naannichaa karaa hawaasa hirmaachiseen sadarkaa olaanatti mirkaneessuu fi nageenyaa itti fufinsa qabuu fi amansiisaa fiduun hawaasni naannichaa keessa jiraatu sodaa fi yaaddoo nageenyaa malee akka socho'uu taasisuudha.

Hojiiwwan gama qaamolee haqaa fi nageenyaatiin karoorfamaan galmaan gahuuf kallattiiwwan gurguddoo kaa'aman keessaas ijaarsa raayyaa qaamolee mootummaa fi hirmaannaa hawaasaa cimsuun hojii nageenyaa milkeessuu,sirna kominikeeshinii cimaa uumuu fi yaadni uummataa karaa ittiin dhaggeeffatamu diriirsuun komii, yaadaa fi gaaffii uummataaf tajaajila kennuudha.Kanaafuu, bu'aa qabeessummaa seekteroota qaamolee haqaa fi nageenyaa dhugoomsuuf hojiilee nageenyaa mirkaneessuu keessatti hojjetaman gamaaggamuudhaan ciminaa fi hanqinaalee waggoottan shanan darban addaan baasuun baay'ee barbaachisaadha.

1. Haala Waligalaa Seektaralee Haqaa fi Nageenya

Hojiiwwan gudguddoo qaamolee nageenyaa fi haqaatiin karoorfaman keessaa inni guddaa fi ol'aanaan ol'aantummaa seeraa mirkaneessuun tajaajila haqaa, qulqullina qabu, dhaqqabamaa, haqaa qabeessaa fi saffisaa ta'e akka kennanuuf bara karooraa KGT-II keessatti dhimmoota xiyyeeffannoon addaa kennameef kan karoorfamaaniidha. Kanuma irratti hundaa'uun karooraa raawwii hojii waggoottan shananii darban xiinxaluun bu'aa qabeessummaa gama qaamolee haqaa fi nageenyaatiin raawwataman addaa baasuun dhimmaa murteessaadha. Haa ta'u malee, akkaataa barbaachisummaasaatti seekteroota kilaasteera haqaa fi nagenyaa keessatti rakkoo ragaa itti fufinsa a qabu argachuun baay'ee rakkisaa ta'e kan jiruudha.

Kanaafuu, hojiiwwan gurguddoo irratti xiyyeeffatamu qabanu agarsiistuwwan gurguddoo (key performance indicators) waggaa waggaadhaam hojjetaman irratti

xiyyeeffannoo kennaanii hojii hojjetamaa ture kanneen xiinxaluuf bu'aa bahii kan qabuu fi carraqqii hedduu kan nama gaafatu ta'usaa ilaallee jirra. Kanaaf, toora xiyyeeffannoo seekteroota haqaa fi nageenyaa keessatti ol'aantummaa seeraa (rule of law) kabajchiisuudhaan waantoota sadii irratti giduugaleesaa taasifachuun haala qabiinsa isaanii ilaaluun dhimmoota baay'ee murteessoo fi barbaachisaa ta'eedha. Isaanis; Nageenyaa mirkaneessuu (peace keeping), Kabaja mirga dhala namaa (Respect for human rights) fi haqaa dhugoomsuu (providing justice) akka biyyoota gamtoomanitti karoora misooma dinagdee itti fufinsa (SDGs) keesssaa, galmoota gurguddoo 17 akka biyyoota gamtoomaan (UN) bahaan keessaa galma xiqqaa 16 jalatti waa'ee hojii qabeessummaa kilaasteera haqaa fi nageenyaa kan mirkaneessan yeroo ta'u, galma kana mirkaneessuun gahee akka biyyaa keenyaas ta'e, kan naannoo keenyaa agarsiisuu ragaan sirriitti mirkaneessuu dhabamuun gabaasa yeroo adda addaa taasifamu wabeeffachuun ilaalame kan ilaalame ture. Haa ta'u malee, bara karooraa KGT-II waggaa shanan darban milkeessuu rakkoo ragaa qabatamaan dhabamuunsaa ol-aantummaa seeraa mirkanaa'uu dhabuu mallattoolee mul'atan ta'u, biraa darbee kutannoo fi xiyyeeffannoo mootummaa fi qaamoole adda addaa dabalachuun akka hojjetamuu qabuu xiinxallii kun ni ifoomsaa. Kanaafuu,akka waliigalaatti bu'uu qabeessummaa seekteroota garee kilaasteera haqaa fi nageenyaa dhugoomsuu fi bakka barbaachisaa ta'eettillee, muuxannoowwan gaggaarii fi filatamoo ta'an biyyoota addunyaa fi biyyooleessaatiin hojii haqaa, fi nageenyaa mirkaneessuu keessatti hojjetame irratti xiyyeeffannoo taasisuun kan xiinxalameedha.

2. Hojiiwwan Dandeettii Raawwachisummaa Cimsuu

Hojiiwwan gurguddoo fi ijoon bara KGT-II waggoottan shanan darban keessatti hojjetamaa turanii keessaa tokko hojiiwwan riifoormii taasisuudhaan nageenyaa karaa guutuu ta'een raawwachuuf humna dandeettii fi beekumsaa irratti hundaa'e horachuun hojiileen jajjabeessaa ta'an hojjetamaa kan turaniidha. Haaluma kanaan, waggoottan shanan darban keessatti hoggantoota, ogeessota qaamolee nageenyaa fi

qooda fudhattoota sadarkaan jiraaniif leenjiiwwan adda addaa namoota 31,263 ta'aniif leenjii kennuuf karoorfamee, hanga dhumma KGT-II namoota 27,212(%87) ta'aniif kennameera. Akkasumas, humna milishaa naannichaa yeroo yeroon sadarkaa gandaa hanga naannootti namoota 788,591 (dh 717,798 fi du 70,745) leenjisuuf karoorfamee, hanga dhuma KGT-II kanaatti 729,364 (dh 682,188 fi du 46,246) %92 kennameera.

Dabalatanis milishaa naannichaa dandeettii loltummaa isaanii daraan cimsuu fi hamilee itti horuuf karaa addaa ta'een sadarkaa naannootti marsaa 3 leenjii caasaa nageenyaa bara 2009 fi 2010 keessaa milishoota dh 112,708 fi du 340 ida'amaan 113,048 karoorfamee,milishoota dh 112,452 fi du 340 ta'an, waliigalaan milishootaa 112,792 (%99.7) ta'aniif kennamee jira. Kana malees, naannichaa keessatti nagaa fi tasgabbiin akka jiraatuuf dhimmoota ka'uumsa rakkoo nageenyaa ta'an irratti hawaasa bal'aa yeroo yeoon mariisisuu fi hubannoo isaanii cimsuuf KGT-II keessatti namoota 37,554,210 (dh 24,061,416 fi du13,108,478) waliin marii fi konfireensii gaggeessuuf karoorfamee, namoota 36,646,631(dh 24,537,748 fi du 11,877,849)%98 hirmaachisuun danda'amee jira. Kunis nageenyaa naannoo tiksuu fi mirkaneessuu keessatti qindoominnii fi hirmaannaan hawaasa murteessaa ta'uusaa kan agarsiisuudha.

Dandeettii raawwachiisummaa poolisii cimsuuf waaggoottan shanan darban keessa hoggantootaa fi miseensota sadarkaa adda addaa irra jiraniif hojiidhaan ala ta'anii akka barataniif carraan barnootaa namoota 600 ol ta'aniif kennameera.Akkasumas,waggootan shanan KGT II keessa leenjiiwwan yeroo dheeraa dandeettii raawwachiisummaa poolisii cimsu sadarkaa kolleejjii poolisii Oromiyaatti mata duree adda addaa (qorannaa yakkaa, to'annoo nageenya tiraafikaa, TPH, VIP, haaromsaa fi kkf) irratti leenjiin kennamaa kan tureedha. Kunis haala gabatee armaan gadiitiin ibsameera.

Gabatee 2.53: Gosoota mata dureewwan adda addaarraati kennamaa turan

Lak	Gosa Leenjii Kennaman	Karoora Waggaa 5	Raawwii Waggaa 5	Dhibbentaa dhaan (%)
1	Leenjii Hooggansaa	1,310	802	61.2
2	Qorannaa Yakkaa	1,900	1,574	82.8
3	To'annoo Nageenya Tiraafikaa	600	664	110.7
4	Humna Addaa fi ko/Bittinsaa	1,320	737	55.8
5	Odeeffannoo/Sarvilaansii/	200	173	86.5
6	TOT	300	37	12.3
7	Konkolaachisaa	560	606	108.2
8	Haaromsa	12,000	11,013	91.8
	Ida'ama	**18,190**	**15,606**	**85.8**

Madda: Komishinii Poolisii Oromiyaa

Akkuma gabatee armaan olii mul'isuutti, waliigalaan raawwii leenjiin yeroo dheeraa haala karoora qabamee keessaa harki %86 kan raawwatamee ta'uusaa kan agarsiisuudha. Dabalatanis, leenjii yeroo gabaabaa ilaalchisee karoorri 43,243 yoo ta'u, mata duree gara garaa irratti leenjiin ogummaa gara garaa miseensota 41,306 (%95.5) raawwatameera

Dandeettii fi ilaalcha hoggantootaa fi raawwattoota Kolleejjii Poolisii Oromiyaa fooyyeessuuf leenjiiwwan gaggabaaboo fi waltajjiiwwan marii adda addaa qopheessuun hojii hubannoo uumuu hojjetamaa kan turanii yommuu ta'u, isaanii keessas leenjiiwwan adda addaa miseensota 5,895 kennuuf karoorfamee, 2008-2012 miseensotaa fi hoggantoota sadarkaan jiraniif mata dureewwan adda addaa irratti miseensota 6,032 ta'aniif kennameera. Akkasumas, waggoottan shanan darban keessatti barumsaa fi leenjii kennuuf leenjifamtoota nama 77,007 leenjisuuf aroorfameetu, raawwiin waggoottan shanan darban keessaa bara 2008-2012tti leenjifamtoota 84,770'f barumsaa fi leenjii gaha ta'ee kennuudhaan gara hojii poolisummaa sadarkaa adda addaatti kan ramadamaanii hojjechaa kan jiranii yeroo ta'u, kunis raawwiin karoorichaa dhibbantaaadhaan yeroo ilaalamuu %110.08 kan agarsiisuudha.

Gama biraatinis humna dandeettii raawwachiisummaa abbootii alangaa fi hojjettoota cimsuudhaan tajaajila siyaataa fi qulqullinaa qabu, akkasumas murtii haqaa qabeessaa ta'e kennisiisuuf irratti 2008 namoota 2,844 irraa kan ture bara 2012 gara namoota 16,150 ta'aniif leenjiin dandeettii raachisummaa cimsuu kennameeraaf.

Sagantaa leenjii hojiin duraatiin ogeessotni seeraa digirii jalqabaa qabanii fi gara sirna haqaa naannichaatti makamuuf fedhii qaban dorgomanii gara inistiitiyuutichaa dhufanii leenjii fudhachuun ogummaa fi naamusa ogummichi barbaadu gonfatanii gahumsi isaanii mirkanaa'ee gara qaamolee haqaatti kan ittiin makamaniidha. Haaluma kanaan, hanga bara 2012 ogeessota 3,132 leenjisuun gara sirna haqaatti makuuf kan karoorfamee yoo ta'u, raawwiinsaa kan agarsiisu 3,225 kennameera. Kunis kan agarsiisuu raawwiin jiru ol-aanaa ta'uusaati.

Ogeessota seera hojii irra jiranii fi leenjii hojiin dura osoo hin fudhatiin hojiitti bobba'anii turan baatii shaniif gara Inistiitiyuutichaa dhufanii leenjii fudhachuun waraqaa gahumsa ogummaa fudhatanii gara hojii isaaniiti ittiin deebi'aan jechuudha. Bu'uuruma kanaan, sagantaa leenjii hojii irraa yeroo dheeraatiin leenjifamtoota 2,507 simachuun leenjii kennuuf kan karoorfamee yeroo ta'u, ogeessotni 2,573 leenjifamanii ogummaan isaanii mirkanaa'ee gara sirna haqaatti akka makaman ta'eera. Raawwiin kunis kan agarsiisu tilmaamaan hanga bara 2012tti %113.2 kan agarsiisuudha.

Leenjii yeroo gabaabaa hojii irraa guyyoota sadii hanga kudhanii fudhatan hanqina raawwii hojii keessatti mul'atan qorachuu fi fedhii alaa dhufu irratti hundaa'uun sagantaa leenjiin itti kennamu jechuudha. Hanqinaalee hojii keessatti mul'atan sakatta'uun akkasumas, fedhii alaa dhufu irratti hundaa'uun hanga xumura KGT-II kanaatti ogeessota baay'inni isaanii 35,649 ta'aniif mata duree adda addaa irratti leenjii yeroo gabaabaa kennuuf karoorfamee,40,821 ta'aniif kennameera.

Hawaasni hubannoo naamusaa fi farra malaammaltummaa gahaa akka qabatuuf kutaalee hawaasaa adda addaatiif leenjii fi hubannoon kennamaa tureera. Kunis hirmaattoota kutaa hawaasaa adda addaa keessa jiran namoota 373,400 ta'aniif leenjii fi hubannoo kennuuf karoorfamee, hirmaattoota 349,155 (% 93.5) ta'aniif leenjii naamusaa fi farra malammaltummaa mata duree adda addaa irratti kennamaa tureera. Kunis kan agarsiisuu, raawwiin waggoottan shanan darban karoora waliin yoo ilaalamu %93.5 dha. Kana irraa wanti hubatamu leenjii fi hubannoo naamusaa fi farra malaammaltummaa ilaalchiise bu'aan argame naamusni maal akka ta'e hawaasni addaa baasee kan jiruu fi naamusa cabsuun miidhaa inni hordofsiisuu hubaachuu danda'eera.

Bara baajeta 2012 kana keessas hubannoo gaggabaaboo manneen barnootaa sadarkaa 1^{ffaa} irraa kaasee hanga kolleejjotaatti jiraniif naamusaa daa'immanii fi dargaggootaa irratti qindoomina Biiroo Barnoota Oromiyaa waliin ta'uun manneen barnootaa 88 keessatti barattootaa fi barsiisota (dh 65,287 fi du 56,414) ida'amaan 121,701 ta'aniif hubannoon kennameera.

Hojiiwwan galmeessaa ragaa bu'ura hawaasummaa milkeessuuf leenjii dandeettii raawwachiisummaa cimsuu qaamota adda addaaf leenjii fi hubannoon kennamaa tureera. Kunis hoggantoota, raawwattoota, dhimmamtootaa fi hawaasaaf leenjii fi hubannoon tooftaa garagaraatiin kennamaa kan turan, waggoottan afran darban keessatti namoota 40,880 kennuu karoorfamee, (dh 15,604 fi du 19,027) 34,631 (%84.8) raawwatameera. Dabalataanis, maloota garagaraatti fayyadamuun hubannoo qaamota hawaasaa gara garaatiif waggoottan afran darban keessatti namoota 32,398,434'f kennuuf karoorfamee (dh 9,645,346 fi du 7,526,348), 17,171,694 (53%) kennameera. Raawwiin galmaa'e karoora waliin wayita ilaalamu Walakkaa ol ta'uu agarsiisa. Haa ta'u malee, hubannoo fi xiyyeeffannoon naannoo ragaatti jiru hanqina guddaa waan qabuuf sirriitti addaan baasaan irratti hojjechuun murteessaadha.

2.5.1. Hojii Bulchiinsaa fi Nageenyaa Oromiyaa

1. Walitti Dhufeenya Naannoolee Ollaa Cimsuu

Waggoottan shanan darban keessaa walitti dhufeenya naannoolee ollaa cimsuu fi rakkoolee naannoo daangaa bulchiinsaa qaban adda baasuu, akkasumas rakkoowwan kana bu'uraan hiikuuf mootummaan naannoo Oromiyaa xiyyeeffannoo addaa itti kennuun hojjechaa tureera.

Bu'uuruma kanaan, raawwii hanga ammaatti jiruun rakkoo daangaa Mootummaa Naannoo Beenishaangul Gumuuz,Gaambeellaa , Amaaraa, Affaar, Mootummaa naannoo Ummattoota Kibbaa fi mootummaa naannoo Sumaalee waliin ture hiikuuf mootummaa Naannoo Oromiyaa jidduutti mareen hooggansaa fi hawaasa naannoolee ollaa hirmaachisee bal'inaan gaggeeffameera.Rakkooleee osoo hin hiikamiin turaniif xiyyeeffannoo addaa itti kennuun marii fi konfireensii hawaasaa fi hooggantoota ol'aanoo naannoolee hirmaachisee gaggeessuun furmaata akka argatu taasifamee jira.

2. Dudhaalee Waliin Jireenya Dhaabbilee Amantaa Cimsuu

Biyya keenyaa fi naannichaa keessaa amantaalee fi amantiileen garagaraa keessatti kanbaayy'atanii fi dudhaalee gaarii waliin jireenyaa qabaachuudhaan addunyaa irratti ittiin kan beekamtuudha. Dudhaaleen gaariin addunyaaf fakkeenyummaa qabu kun itti fufinsa akka qabaatuuf hojiin hubannoo hawaasaa dudhaalee waliin jireenyaa, seekulaarizimii fi heera mootummaa irratti cimsuuf KGT-II keessatti qaamolee hawaasaa 14,430,614 (dh 9,473,397 fi du 4,913,442) mariisisuuf karoorfamee, 14,011,873 (dh 9, 337,855 fi du 4,510,831) %97 ta'aniif hubannoon kennameef jira.

Kana malees,hojiileen kan akkasirna odeeffannoo nageenyaa hojii irra oolchuu,xiinxalaa fi qorannoo haala nageenyaa gaggeessuu, qindoominaa qooda fudhaattotaa guddisuu,qindoomina mana maree nageenyaa fi qindoominaa qaamolee haqaa fi nageenyaa cimsuun nageenyi naannichaa akka mirkanaa'u, ol-

antummaan seeraa akka kabajamuu fi rakkoon bulchiinsa gaarii hiikkatee uummanni yaaddoo nageenyaa irraa bilisa ta'ee misooma irratti akka bobba'uu gochuuf, bifa gurmaa'eei fi qindoomina qabuun hojiin hiika qabu hojjetameera.

2.5.2.Poolisii Oromiyaa

Akkaataa istaandaardii poolisiin tokko hawaasa dhibbaa 600 tajaajila jedhu irratti hundaa'uun humna miseensa poolisii isa barbaachisu keessaa %89 kan qabu yommuu ta'u, xumura bara KGT-II kanatti miseensa poolisii isa barbaachisu %100 iraan gahuuf hojjetamaa jira. Haaluma kanaan, hojiiwwan adda addaa irratti bobbaasuun tajaajila qulqulluu, si'ataa fi bu'aa qabeessaa ta'ee kennamaa jira.Jalqaba karoora KGT-II irratti miseensota poolisii haaraa 25,000 qacaruuf kan karoofamee yoo ta'u, rakkoon nageenyaa erga uumamee booda Komishiniin qorannoo gaggeesseen istaandardiin poolisiin tokko hawaasa 1,000 tajaajilaa kan ture, muuxannoo biyyoota Afrikaa adda addaa fudhachuudhaan istaandardii keenya gara poolisiin tokko hawaasa 600 tajaajiluutti sirreefameetu hojjetamaa kan jiruudha.

Gabatee 2.54: Bara 2008 (2016/2017) istaandardiin poolisiin tokko hawaasa tajaajilu kan biyyoota armaan gadii kana ture;

Lakk	Biyya	Poolisiin tokko giddugaleessaan baayyina uummata tajaajilu
1	Bootsiwaanaa	239
2	Afrikaa Kibbaa	315
3	Naajeeriyaa	488
4	Gaanaa	500
5	Keeniyaa	1,235
6	Itoophiyaa	600

Kana irraa kaa'uudhaan haala qabatama jiru irratti hundaa'ee istaandardii humna namaa gara 600 akka sirraa'u ta'eetu jira. Poolisiin tokko hawaasa 600 kan tajaajilu yoo ta'e, uummata 40,000,000 tajaajiluuf Poolisiin 66,666 akka barbaachisu yommuu ta'u, yeroo karoorri kun irra deebi'amee karoorfamu qabatamaan miseensi

poolisii hojii irra jiran 26,582 kan tureyoo ta'u,istaandardii bira ga'uuf kan nu hafu 66,666-26,582 = 40,084 dha. Kana malees, humna poolisii naannichaa dabaluu keessatti hojii guddaa hojjetameen yeroo ammaa kana haala istaandardii humna namaa taa'een harka %89 irra gahee jira. Dabalatanis ogeessota qorannaa taaktikii fi teeknikaa 1,900 haaraa dabaluuf karoorfamee,1,574 dabaluudhaan harka %84 raawwachuun danda'amee fi to'attoota nageenya tiraafikaa 600 haaraa waggaa shan keessatti dabaluuf karoorfamee, 664 dabaluun harka 111% milkaa'ee jira.

1. Saamicha Meeshaa Waraanaan Deeggarame

Saamicha meeshaa waraanaan deeggarame dhabamsiisuun yaaddoo rakkoo nageenyaa gama kanaan dhufu hambisuuf karoorfamus sababa rakkoo nageenyaa akka biyyaatti tureen haala karooraatiin deemuun hin danda'amne. Walumaagala, saamicha meeshaa waraanaan deeggaramu waggoottan shanan darban keessaa akka Oromiyaatti 99 gad-buusuuf karoorfamee 111 raawwatameetu jira.

Gabatee 2.55: Saamicha meeshaa waraanaan deeggaramekan agarsiisuudha.

Bara	Karoora	Raawwii	Garaagarummaa
2008	21	9	(12)
2009	20	21	+1
2010	20	33	+13
2011	19	25	+6
2012	19	23	+4
Ida'ama	99	111	+12

Madda: Komishinii Poolisii Oromiyaa

2. To' annaa Manneen Shiishaa Irratti Taasifame

Naanna'iinsaa baala sammuu nama hadochuu magaaloota keessatti babbal'acha kan dhufee ta'uus, to'annaa fi hordoffii taasifameen tarkanfii fudhatameen baayina mana shiishaa 7,965 xiinxalame keessa opereeshiniin mana 6,560 irratti gaggeeffamee

baayina meeshaa shiishaa 25,945 tilmaama qarshii 12,096,494 baasuu qabamee meeshaa shishaa fi shishaa 21,674 akka gubatuu taasifamee jira.

3. Godaansa Nama Seeraan Alaa

Namoota karaa seeraan alaa biyyaa bahuuf otuu deemaa jiran too'annaa jala oolanii gara maatii isaanii deebi'an. kunis dhiira 10,238 fidhalaa 2,065,walitti 12,303 yoo ta'an, godaansa seeraa alaa kana hambisuuf yeroo adda addaatti hordoffiin qaamolee yakka kana keessatti hirmaatan irratti taasifameen dallaaltoota namoota daddabarsuu keessatti hirmaatan 439 keessaa dallalootni 391 kan to'ataman yoo ta'u Kanneen hafan 48 hordofamaa jiru.

4. Sochii Meeshaa Waarana Seeraan Alaa fi Seeraan Galmaayee To' achuu

Naannoo keenya keessatti naanna'iinsa meeshaalee waraanaa seeraan alaa dabalaa kan jiru ta'uu isaa gabaasa yeroo adda addaa dhiyaatuun mirkaneeffachuun danda'ameera. Shakkamtoota meeshaa waraanaa naanneessuu kessatti hirmaatanii fi sakatta'iinsa taasifameen harkaaf harkatti qabame qorannaan irratti gaggeeffamee seeratti akka dhiyaatan taasisuu irratti hojiin hedduun hojjetamee jira.

Gabatee 2.56: Meeshaa waranaa seeraan alaa

Lak	Gosa Meeshaa	Meeshaa seeraan galmaa'e			Meeshaa seeraan-alaa qabame		
		Baayyina	Rasaasa	Kartaa	Baay'ina meeshaa	Rasaasa	Kaartaa
1	Kilaashii	8,291	154,890	8,701	2,096	44,456	1,429
2	Shugguxii	25,914	156,081	26,789	5,265	21,182	3,962
3	Bireenii	-	-	-	6	259	3
4	Kan Biroo	3,757	30,930	2,532	3,211	37,221	663

Madda: Komishinii Poolisii Oromiyaa, 2012

5. Sochii Daldaala Seeraan Alaa fi Kontrobaandii To'achuu

Daldalli seeraan alaa guddina diinagdee biyyaa irratti dhiibbaa ol-aanaa kan fidu ta'uun isaa beekkamaadha. Akka waligalaatti bara 2008- 2012 daldala seeraan alaa

fi kontirobaandii kan akka bunaa, uffata adda addaa, xaawulaa, cilee, zayitii nyaataa, mootar saaykilii, meesha eleektroniiksii, shukkaaraa fi meeshaalee adda addaa kan biroo akka waliigalaatti tilmaama qarshii 918,841,845.53 kan ta'u to'annoo jala oolee jira. kun hojjetamu hojii dinagdee biyyaa keenyaa bararuu keessa gahe waan qabu gara funduraalee kana caala hojjetamu akka qabu fi qabeenya uummama fi dinagdee biyyaa bifa haqa qabeesa ta'e lammii hunda akka tajaajilu tasuu keessa xiyyefannoo adda ta'e itti kenname hojjetamu qaba.

6. To'annoo Nageenya Tiraafikaa

Yeroo ammaa kana akka biyyaattis ta'ee, akka naannoo keenyatti dhimmoota yaaddoo uummataa ta'anii fi lubbuu hawaasa keenyaa guyyaa guyyaan miidhaa jiran keessaa balaan tiraafikii isa olaanaa yoo ta'u, balaa kana hir'suudhaaf Komishiniin Poolisii Oromiyaa hojii hedduu hojjechaa turee jira.

- Hawaasa hedduuf miidhaa balaan konkolaataa geessisu irratti hubannoon kennamee jira,
- Dhaabbilee mootummaa fi miti mootummaa adda addaa waliin mariin geggeeffamee jira,
- To'attoota nageenya tiraafikaa fi deeggartoota to'attoota nageenya tiraafikaa hedduu leenjisee hojiitti bobbaasee jira,
- Mallattoolee to'annoo nageenya tiraafikaa bakka balaan deddeebi'ee itti qaqqabu irratti kan akeekkachiisu, beeksisuu fi kan dhorku hedduun dhaabbatee jira,
- Qaamolee dhimmi ilaallatu waliin qindoominaan hojii hedduu hojjatee jira.

Haa ta'u malee, akka naannoo Oromiyaatti balaan hedduun lubbuu namaa fi qabeenyaarraan gahaa tureera.Waggoottan shanan darban keessatti miidhaa dhaqqabaa ture to'annoon nageenya tiraafikaa akkuma jirutti ta'ee bakka seerri geejjibaa cabeetti adabbii kennuun seerri akka kabajamu taasifamee jira. Haa ta'u malee, balaa tiraafikaa waggoota shaniif dhibbeentaa %15 hir'isuuf karoorfamee irratti karooraan gaditti %28.2 dabalee jira.

Gabatee 2.57: Waliigala waggaa shanan darban keessa balaa tiraafikaa qaqqabe

Hojiilee Hojjataman	2007	2008		2009		2010		2011		2012		waggaa shanii		Gara. lakko Gara. %	
		Ka	Ra	Ka	ra	ka	ra	Ka	Ra	ka	Ra	Ka	Ra	Ka	Ra
Balaa Tiraafikaa	3,897	3,780	3,870	3,667	4,555	3,546	4,952	3,429	4,894	3,313	4,458	17,731	22,729	+4,998	+28.2%
Balaadu'aa xiqqaate	1,257	1,219	1,355	1,182	1,438	1,14	1,537	1,105	1,354	1,072	1,328	5,722	7,003	+1,281	+22.4
Miidhaa qaama cimaa xiqqaate	556	540	595	524	705	506	781	489	640	470	598	2,480	3,316	+836	+34%
Miidhaa qaama salphaa xiqqaate	522	506	456	491	628	475	578	460	648	440	524	2,372	2,826	+454	+19%
Balaa qabeenya irraa ga'u xiqqaate	1,562	1,515	1,464	1,470	1,784	1,421	2,0566	1,375	2,252	1,331	2,008	7,110	9,555	+2,445	+34.4

2.5.3.ABBAA ALANGAA WALIIGALAA OROMIYAA

1. Murtii Abbaa Alangaa fi Falmii Dhaddachaa Fooyyeessuu

Galmeewwan qormaataa KGT-I irraa as darbe dabalatee galmee gosa hundaa 250,372 dhiyaate keessaa galmeewwan 248,809 (%99.4) irratti abbaa alangaatiin murtii addda addaa itti kennameera. Qulqullinni murtee abbaa alangaa dhuma bara 2012 %94 irraan gahuuf karoorfamee,sadarkaan raawwiisaa %90 irraa gahuusaa agarsiisa. Saffina murtee abbaa alangaatiin walqabatee karoorri dhuma bara 2012 %95 irraan gahuuf kan karoorfame yoo ta'u, raawwiin isaa %92 ta'u agarsiisa.

Dabalatanis, galmee himataa KGT-I irraa as darbe 6,584 dabalatee hanga 2012 galmeewwan 223,930 kan dhiyaatan yoo ta'u, galmeewwan kanneen keessaa 216,003 (%96.4) murtii adda addaa kan akka murtii adabbii fi bilisaa itti kennamee jira. Haaluma kanaan, humna dandeettii adabsiisuu ilaalchisee karoorri hanga dhuma 2012 %98 yoo ta'u, raawwiin %94.8 dha. Galmee dhimma dubartootaa fi daa'immanii KGT-II hanga 2012 kan dhiyaate 14,997 keessaa, galmeewwan 14,497 (%96.6) irratti murteen adda addaa itti kennameera.

A. Galmee Himata Murtee Battalaa (RTD)

Galmeen himataa murtee battalaa (RTD) KGT-II hanga bara 2012 dhiyaatan 15,194 dhiyaate keessaa, galmee 14,461 irratti murteen adda addaa kan itti kenname yommuu ta'u, kana keessaa galmeewwan 14,260 kan ta'u irratti murteen adabbii itti kenameera, galmeewwan 144 irratti murtiin bilisaa kennamera. Dandeettiin adabsiiisuu karoorri %98 yoo ta'u, raawwiin %99 fi harcaatiin karooraan %1 yommuu ta'u raawwiinsaa %0.3 dha. Kana malees,waggoottan darban kana keessatti galmeewwan ajjeechaa balaa tiraafiikaa 4,088 kan dhiyaatee keessaa galmee 3,849 irrattii murteen adda addaa itti kennameera.

Gama biraatinis galmee himata meeshaalee al-ergee bara KGT-II kana keessatti galmeewwan himataa meeshaalee al-ergii 1,161 kan dhiyaate yoo ta'u, galmee 1,131(%97.4) irratti murteen adda addaa itti kennameera. Kanneen keessaas galmee 893 irratti murteen adabbii adda addaa itti kennisiifameera.

B. Galmee Himata Dhimma Nageenyaan Walqabatu

Galmee himata dhimma nageenyaatiin wal-qabatu waggoottan shanan darban keessatti galmeewwan himata dhimma nageenyaa 3,787 kan dhiyaate yoo ta'u, galmee 3743 (%98.8) irratti murteen adda addaa itti kennameera. Kanneen keessaas galmee 3,029 irratti murteen adabbii adda addaa kan itti kenname yoo ta'u, galmeen yeroof cufame 263, bilisaanii 451, beellamaan kan jiru 44 dha. Dandeettiin adabsiisuu %87 yoota'u harcaatiin galmee %7 dha.

C. Galmee Himata Qabeenya Bosonaan Walqabatu

Bosonaa fi qabeenyaa uumamaa mancaasuun seeraan kan nama adabsisuu ta'uunsaa ni beekama. Haaluma kanaan, waggoottan darban keessatti galmeewwan himataa qabeenya uumamaa (bosonaan) wal-qabatu galmee 2,052 kan dhiyaate yommuu ta'u, galmee 1,988 irratti murteen adda addaa itti kennameera. Kanneen keessaas galmee 1,602 irratti murteen adabbii adda addaa itti kennisiifameera, galmeen yeroof cufame 203,bilisaanii 183, beellamaan kan jiru 64 dha. Dandeettiin adabsiisuu %89.7 yoo ta'u, harcaatiin galmee %10.2 dha. Raawwii dandeettii adabsiisuu galmeewwan kanaa raawwii dandeettii adabsiisuu galmeewwan himataa waliigalaa(%94.8)dha. Akkasumas, bara KGT-II keessatti galmeewwan himataa godaansa seeraan alaa fi namoota daldaluun wal-qabatu galmee 417 kan dhiyaate yoo ta'u, galmee 363 irratti murteen adda addaa itti kennameera.

D. Galmee Ol-Iyyannoo fi Ijibbaataa Gosa Hundaa

Galmeeleen ol-iyyannaa fi ijibbaataa kan abbaa alangaas ta'ee, kan himatamaa /deebii kennaa/sadarkaa sadarkaadhaan qulqullinnii fi saffinni isaa madaalamaa kan

deemu ta'uun isaa hojii akka ciminaatti ilaalameedha. Dabalataanis ol-iyyata dhiyaatan hundaa irratti abbaa alangaa deebii isaa qopheessee dhiyeessaa jiraachuun hojii jajjabaachuu qabudha. Waggoottan darban keessatti galmeewwan ol-iyyannoo abbaa alangaa fi himatamaan gaafataman akka waliigalaatti dhiyaatan 58,576 yoo ta'u, gama abbaa alangaatiin yaadni mormii fi deeggersa guutummaa guutuutti waan ittii kennameef raawwiin %100 dha.

i. Galmee Ol-iyyata Abbaa Alangaa

Galmeewwan ol-iyyannoo abbaa alangaa fi himatamaan gaafataman armaan olittii kan ibsame keessaa kan abbaa alangaan gaafatamee addaa baafnee yommuu ilaallu akka waliigalaatti kan dhiyaatan 17,826 yoo ta'u, kana keessaa hin dhiyeessisu kan jedhame 4,032 ni dhiyeesisa kan jedhame galmee 13,794 dha. Kanneen keessaa murtii adda addaa kan argate 13,123 (%95) yoo ta'u, kanneen keessaa murtii adabbii kan argate 11,322 (%86.2) yoo ta'u, deebii kennaan dhabamuun kan cufame 827, murtiin jalaa irra deebi'ee haa ilaalamu kan jedhame 974 yoo ta'u, kanneen hafan galmee 671 beellamaan yeroo itti aanutti darbeera. Dandeettiin adabsiisuu akkaataa karoora KGT-II %94 irraan gahuuf kan karoorfame yoo ta'u raawwiin isaa %99.9 irraa jira.

ii. Galmee Ol-Iyyannoo Himatamaa

Galmeewwan ol-iyyannoo abbaa alangaa fi himatamaan gaafataman akka waliigalaatti dhiyaatan 40,750 yoo ta'u, kana keessaa hin dhiyeessisu kan jijjiirame 745 ni dhiyeessisa kan jijjiirame 40,005 dha. Kanneen keessaa murtii adda addaa kan argate 39,047 (%97.6) kanneen keessaa murtii adabbii kan argate 34518 (%88.4 yoo ta'u, deebii kennaan dhabamuun kan cufame 481, murtiin jala irra deebi'ee haa ilaalamu kan jijjiirame 1,173 yoo ta'u, murtiin adabbii bilisaatti kan jijjiirame 2,875 dha.

i. Galmee Ol-Iyyannoo Ijibbaataa

Akka waliigalaatti, ol-iyyanni ijjibbaataa naannoo kanabbaa alangaa fi himatamaan dhiheessee 1,352 yoo ta'u; hin dhiyeessisu kan jedhamee 16 fi ni dhiyeessisa kan jedhame ammoo galmee 1,306 dha. Galmeewwaan ni dhiyeessisa kan jedhame keessaa murtee mana murtee kan argatee 1,023 keessaa adabbii adda addaa kan argatee 918 dha. Deebii kennaan dhabamuun kan cufame 37 irra deebi'amee haa

ilalamu kan jedhame 8 adabbii bilisaatti kan jijjiirame 60, beelamaan kan jiru 283 dha.

Waliigalaan, bara karooraa raawwii KGT-II hanga 2012 gaaffii mirga wabii 85,407 dhiyaate keessaa abbaan alangaa 28,341 irratti yaadaa mormii kan itti kennee yoo ta'u, kanneen keessaa 6,726 kan dhorkame yoo ta'u, 21,615 mirgi wabii eegameera. Dandeettiin amansiisuu abbaa alangaas % 76.2 kan agarsiisuudha.

E. Iyyannoo Galmee Abbaa Alangaa Komii Hin Qabu Jedhaman

Abbaan alangaa murtii manni murtii kenne sirriidha jedhee yoo itti amane komii dhiyeessuu dhiisuu ni danda'a. Haa ta'u malee, abbaan dhimmaa murtii kenname irraa komii yoo qabaate hanga qaama ol-aanatti komii isaa dhiyeeffatuuf mirga ni qaba. Bifa kanaan,komii 569 dhiyaate keessaa fudhatama kan argate 475 (%83.5) yommuu ta'u,fudhatama kan hin argannee 94(%16.5) kan mul'isuudha.Kana malees, iyyannoowwan 75,569 dhuunfaa adda addaa kan keessummeeffaman yeroo ta'u, kanneen keessaa 73,022 deebiin kan itti kenname yoo ta'u, iyyannoowwan 2,547 furmaata argachuuf adeemsa irra jira.

Waggoottan shanan darban keessatti dhimma dantaa uummataa fi mootummaa irratti abbaan alangaa jalqabuma waliigaltee manneen hojii mootummaa qaama biroo waliin raawwatan irraa eegalee akka hordofu taasisuuf hojimaata diriirsee hojjechaa tureera. Abbaa alangaatiin waggoottan shanan darban keessaa hojiileen fooyya'iinsa agarsiisan gama maallaqaa uummataa fi mootummaa qisaasamee tureen falmii fi gorsaan akka deebi'uu godhamee jira, bal'innisaa gabatee armaan gadii keessatti ibsameera.

Gabatee 2.58:Maallaqa uummataa fi mootummaa gara kaazinaa mootummaatti deebi'ee agarsiisa.

Bara	Gorsaan	Galmee	Falmiin	Ida'amaa	Falmiirraa
2008	17,100,401.00	23	82,513	17,182,914	
2009	14,136,594.00	11	3,735,004	17,871,598	
2010	73,685,666.00	35	40,753,085	114,438,751	
2011	81,976,591.23	62	54,752,337	136,728,928	
2012	63,638,890.00	41	16,908,300	80,547,190	91,437,767.00
Ida'a	250,538,142.23	172	116,231,239	366,769,381	91,437,767

Madda: Mana Hojii Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaa

Bu’uruma gabatee armaan olii irratti ibsameen waggoottan shanan darban keessatti, galmeewwan dhimma hariiroo hawaasaa ilaalchiisee galmee 172 irratti abbaan alangaa gidduu seenuun gorsaan qr 250,538,142.23, falmiin ammoo qr 116,231,239 waliimalaan qr 366,769,381 gara kaazinaa mootummaatti akka deebi’u taasifameera. Kana malees,manneen hojii itti waamamni isaanii mana hojii abbaa alangaa waliigalaan hordofaman kanneen akka manneen sirreessaa sadarkaan jiranii fi Ejensii galmeessaa galmeessaa ragaa bu’ura hawaasummaa waliinis qindoominaan hojjetamaa kan ture ta’uusaa agarsiisu.

Hanqinaalee qaamolee haqaa keessatti mul’atan sakatta’uun dhimmoota addaa baasuun hanga xumura bara KGT-II kanaatti mata-dureewwan 70 irratti qorannoo gaggeessuuf karoorfamee keessaa, qo’annoon mata dureewwan 62 kan gaggeeffaman yeroo ta’u, qorannoowwan afur bara kana gaggeeffamaa jiru dabalateeti hanga dhuma bara baajeta kanatti ni xumurama jedhameetu eegama.

2.5.4.Bulchiinsa Manneen Sirreessaa Oromiyaa

Manneen sirrreessa hundaa keessatti hojiin eegumsaa sadarkaa hundaatti karaa keessaa fi alaa akka mirkanaa’u xiyyeeffannaan hojjetamaa tureera. Akkasumas, odeeffannoo hojii eegumsaa cimsuun miseensi hojii eegumsaa dammaqinaan akka hojjetu taasifamaa kan turee fi qaamoolee nageenya waliin ta’uudhaan hojiin jajjabeessaa ta’an hojjetamaa tureera.

Waggoottan shanan darban keessatti sadarkaan raawwii haala sirreeffamtoota irratti jijjiiramni jiru fooyyaa’insa gaariirra jiraachuusaa agarsiisa. Kunis jalqaba KGT-II keessaa raawwiin waliigala 37,533 yoo ta’u, bara dhuma 2012 irratti 42,888 ta’uusaa kan mul’isuudha. Kana malees, garagarummaan waggoottan shanan darban kana keessatti gara sirreeffamtoota 5,355 jijjiiramni fooyyaa’insa gaarii ta’e mul’ateera. Kunis kutannoo hoggansa jijjiiramaa fi gaaffii/fedhii giddugaleessaa godhachuudhaan hojiilee hojjetamaniidha.

1. Qabiinsa Mirga Namoomaa Sirreeffamtoota Seeraa Kabajuu fi Kabachisuu

Haalli qabiinsa mirga namoomaa ilaalchisee sirreeffamtootni seeraa manneen sirreessaa keessatti argaman bu'ura heeraa fi seeraa biyyattitiin wantootni guutamuufii qaban kan akka nyaataa, iddoo ciisichaa, yaala bilisaa, miidhaan qaamaa fi sammuu kamiyyuu irraa miidhaan akka hin geenyeef hojjetamaa kan tureedha. Akkasumas, hanga danda'amaa ta'eetti daa'imman maatii waliin galanii fi dubartoota ulfaa fi daa'immanii hoosisaa jiraniif kallattii adda addaatiin gargaarsi taasifamaafii tureera.

2. Hojiiwwan Jijjiirraa Amalaa Sirreeffamtoota Seeraa

Jijjiirama amalaa fi ilaalchaa sirreeffamtoota seeraa irratti fiduun lammii yakkaa balaaleffatuu fi humna oomishaa ta'anii akka ba'an gochuun hojii ijoo komishinichi hojjetu keessaa isa tokko akka ta'e ni beekama.

Haaluma kanaan, komishinichi haala caasaalee isa jala jiran giddu galeessa godhateen hojii sirreessaa keessatti dhimmoota xiyyeeffannoo argachuu qaban addaan baasuun irratti karoorfatee tajaajila gorsaa,barumsa hubannoo, barumsa idilee fi bu'uraa,leenjiiwwan ogummaa adda addaa sirreeffamtoota seeraatiif,manneen sirreessaa hundaa keessatti ogeessota manneen sirreessaa keessa jiranii fi qaamolee adda addaa waliin ta'uudhaan mata dureewwan adda addaa irratti Sirreeffamtoota seeraatiif leenjii fi barumsi kennamaaf tureera.

2.5.5.Naamusaa fi Farra Malaammaltummaa Oromiyaa

Hubannoo naamusaa fi farra malaammaltummaa karaa miidiyaa maxxansaalee gosa addaa ergaan adda addaa of keessaa qaban waggoottan shanan darban keessa maxxanfamee hawaasaaf raabsamaa tureera. Kunis maxxansaalee akka birooshara, istiikara, barruulee, poostara, kalandara, yaadannoo fi k.k.fa'a dha. Maxxansaalee gosa addaa addaa baay'inni koppii isaanii 313,600 maxxanfamanii akka raabsamaaniif waggoota shanan darban karoorfamanii, raawwiin isaanii 172,268 (%54.9)ta'uu agarsiisa. Kunis sababii maxxansaaleen tokko tokko

barbaachisummaa isaan hawaasa keessatti jijjiirama fidanii fi baasiin isaan gaafatan guddaa ta'eef raawwiin isaanii gad-aanaa ta'uu hubatameera. Kana malees, rakkoon qulqullinaa fi yeroon odeeffannoo hawaasaa biraan gahuu akkasumas,bal'ina naannoo fi baay'ina uummataa naannoo keenyaatiin wal-bira qabamee yommuu ilaalamu kan wal hin gitin ta'uu ilaaluun ni danda'ama.

Giraafii 2.87: Raawwiin Miidiyaa maxxansaa Bifa Giraafiitiin Yommuu Ibsamu



Komishinii Naamusaa fi Farra Malaammaltummaa Oromiyaa,2012

Miidiyaan elektrooniksii barumsa naamusaa fi farra malaammaltummaa babal'isuun uummataa bal'aa bira gahuudhaan hawaasa malaammaltummaa lagatuu fi balaaleeffatu barsiisuuf, malaammaltummaa hojjetame saaxiluun akka ummanni qabsoo finiinsu ijaa fi gurra hawaasaatiin gahuu akkasumas, hawaasa bal'aa abbaa qabsichaa ta'e, komishinii fi mootummaa cinaa hiriirsuuf gahee bakka bu'iinsa hin qabne kan qabu ta'uunsaa beekamaadha.

1. Hirmaannaa fi Qindoomina Qabsoo Farra Malaammaltummaa Dabaluu

Qabsoo farra malaammaltummaa irratti gaggeeffamu gama hundaan ceesisuuf hirmaannaa fi qindoomina qaamolee hawaasaa cimsuudhaan hirree qabsoo hojimaata badaa fi malaammaltummaa jabeessuuf karoora guddinaa fi tiraanisfoormeeshinii lammaffaa keessatti hojiin bal'aan karoorfamee hojimaata hirmaannaa fi qindoomina qabsichaa diriirsuu irraa kaasee hanga hojiirra oolchuutti xiyyeeffannoon itti kennamee hojjetamaa tureera. Haa ta'u malee, akkaataa

barbaadameen hojiin qindoomina raawwatamaa kan ture yoo ta’uullee, hanqinaalee baay’een waan jiranuuf karooraa bara itti aanuu keessatti xiyyeeffannoo addaatiin irratti hojjetamuu kan qabudha.

2. Tarkaanfiiwwan fi Bu’aa Isaanii

A. Qabeenyaa Beeksisuu fi Galmeessisuu

Hubannoo qabeenya beeksisuu fi galmeessuu qaamolee garagaraaf yaada rimee qabeenya beeksisuu fi galmeessisuu, guca galmee duraa fi galmee haaromsaa irratti namoota 117,780 kennuuf karoorfamee namoota 48,646 (%41) raawwachuun danda’amee jira. Kunis raawwiin jiru gad-aanaa waan ta’eef ammayyuu hubannaa bal’aa kan barbaachisu ta’uusaati. Qabeenya namoota 110,880 galmeessuuf karoorfamee, qabeenya namoota 63,235(%57) kan galmaa’ee fi Prima‘ facie’ mirkaneessa galmeessitootaan bara KGT-II kana keessa namoota 57,733 mirkaneeffachuuf karoorfamee, raawwiinsaa 97,596 (karoora ol raawwatameera).

Akkasumas, namoota qabeenya isaanii fi madda galii isaanii galmeessisan 108,114 ta’aniif waraqaa ragaa kennuuf karoorfamee hanga ammaatti waraqaan ragaan namoota 106,644 (%99) akka kennamu ta’eera. Kunis karoora waliin yeroo wal biraa qabame ilaalamu fooyyaa’insa agarsiisudha.

Kana malees, qabeenya namoota galmeessisanii olkaa’uu fi koodeessuuf bara karoora KGT II kana keessa namoota 62,059 karoorfamee raawwiin isa 85,798 (karooraan ol) raawwateera. Kunis hojiin gama kanaan hojjetame jajjabeessaa ta’uusaa agarsiisa.

B. Adabbii Hidhaa fi Maallaqaa

Adabbii hidhaa fi mallaqaa ilaalchisee, bara karoora tarsiima’oo kana keessatti namoonni 1,074 hidhaa salphaa ji’a sadii (3) hanga hidhaa cimaa waggaa digdamaa (20) mallaqa waliin adabamaniiru.Kana malees, adabbii maallaqaa xiqqaa 500 (dhibaa shanii) irraa kaasee hanga adabbii maallaqaa guddaa 335,000 adabamaniiru.

2.5.6.Galmeessaa Ragaa Bu'uura Hawaasummaa

Hojiiwwan Galmeessa Ragaa Bu'ura Hawwasummaa milkeessuuf meeshaalee maxxansaa hojichaaf barbaachisan keessaa galmeewwan kabajaa fi waraqaan ragaa isaanii ijoodha. Maallaqni hojii maxxansaafi raabsa meeshaalee galmeessa ragaatiif ramadaman baajeta mana hojichaaf ramadamu keessaa %40 yoo ta'u, 2009-2012 galmeewwan kabajaa 174,925 fi waraqaa ragaa 8,904,326 taateewwan shanan maxxnsiifameera. Meeshaalee maxxansiifaman keessaa gandootaaf galmee kabajaa 159,525 fi waraqaa ragaa 8,889,326 raabsameera. Kanaaf, waggoottan afran darban kana keessatti baajeta mana hojichaatiif ramadame keessaa qarshiin 337,544,941 (%32) maxxansa galmee kabajaaf waraqaa ragaa qofaaf kan oolee fi meeshaalee galmeessa kana Naannoo irraa gara Godinaa/B/Magaalaatti geejjibsiisuuf baasiin ol'aanaa kan itti bahaa turedha.

Haa ta'u malee, rakkoowwan hojii maxxansa meeshaalee galmeessaa keessatti mul'achaa turan keessaa isaan ijoon unka waraabbiiwwanii wal simachuu dhabuu, yeroodhaan manni maxxansaa dhaqqabsiisuu dhabuu fi rakkoon geejjibaa irraan kan ka'e raabsi meeshaalee yeroo barbaadametti gandoota dhaqqabuu dhabuun bal'inaan kan mula'achaa turedha.

1. Hojii Galmeessaa

Raawwiin waggoottan afran darban yeroo ilaalamanu, bara 2009 keessaa taateewwan 584,505 galmeessuuf karoorfamee, 185,839 (%32) kan raawwate yoo ta'u,kunis karooraa waliin madaalaame yeroo ilaalamu baay'ee gad-aanaa ta'uusaa kan agarsiisudha.Bara 2010 keessaas taateewwan 584,505 galmeessuuf karoorfamee, 236,929 (%41) raawwatameera.

Kunis raawwiinsaa akka malee gad-aanaa kan ta'eedha. Bara baajeta 2011 keessa taateewwan 535,796 galmeessuuf karoorfamee 342,587 (%59) kan raawwatameedha. Bara baajeta 2012 keessa immoo taateewwan 2,663,630 galmeessuuf karoorfamee,1,801,776 (%68) raawwatamee jira. Waliigalaan, raawwiin waggoottan afran darban wayita ilaalluu wal-duraa duubaan bara 2009 hanga 2012tti dhibbeentaadhaan %32, %41, %59, fi %68 dha.

2. Raawwii Galmeessa Waggoottan Afran (2009-2012) Taateedhaan

Taateen dhalootaa bara jalqabaa %27 irraa gara 61, taateen gaa'eelaa %49 irraa gara %62 fooyyaa'insa agarsiisuu isaati. Hiikkaan gaa'eelaa %50 irraa gara %23 gadi bu'uusaa, guddifachaan %21irraa gara %40 fooyyaa'insa agarsiisuu isaa,

taateen du'aa %45 irraa gara %30 gadi bu'uusaa fi akka waliigalaatti %31 irraa gara %58 tti kan olguddate ta'uu ragaan qindaa'e ni mul'isa.

3. Simannaa, Daddabarsaa fi Qulqullina Taateewwan

Taateewwan sadarkaa gandaatti galmaa'an daddabarsi isaanii naannoo gahee simannaan kan taasifameef,karoora 2,567, 231, raawwii 2,567,231(%100) yommuu ta'u, daddabarsi isaa hanga xiinxalli kun gaggeeffameetti Ejeensicha kan dhaqqabe 1,997,984(%78) dha. Daddabarsi ragaa gandoota irraa eegalee hanga feederaalaatti guyyoota jedhaman keessatti dhaqqabsiisuu irratti harcaatiin jiru yeroo gara yerootti fooyyaa'aa kan jiru ta'usaati. Haa ta'u malee, gandoonni 1,735(%24) itti fufinsa an daddabarsuu irratti hanqina kan qaban ta'uu fi yeroo ergaan irra darbee booda taatee galmaa'e akka dabarsaa jiran ni mul'ata.

4. Uuwwisa Galmeessaan Walqabatee

Uuwwisni galmeessaa karaa lamaan kan ibsamu yeroo ta'u, innis ganda hundaarratti tajaajila kan kennuu fi taatee galmaa'een ta'a. Haaluma kanaan,Galmeessa Ragaa Bu'ura Hawaasummaa dhaqqabamaa taasisuuf hojiin bal'aan hojjetamaa kan ture yoo ta'u, gandoota 7,342 keessaa ganda 7,162 (%97.5) irratti tajaajilli kennamaa jira.Gandoota 180 (%2.5) irratti sababa rakkoo nageenyaa fi baajetatiin galmeessi kan hin eegalamne ta'uu agarsiisa. Kana malees, uwwisni galmeessaa taateedhaan wayita ilaalamu akkaataa ka'umsa karooraa "CSA" irraa kennameen karoorri 4,417,145 raawwiinsaa 2,569,131(%58) irra kan gahee yeroo ta'u, taateewwan ni raawwatamu jedhamee eegamu irraa karoorri 11,987,144, raawwiinsaa 2,569,131 (%21) ta'uu kan agarsiisudha.

Yaadachiisa:
Gabaasni mana murtii asitti dhiyaachuun isaa hojii qaamolee haqaa fi nageenyaa giddutti walittidhufeenyi jiru gama ol-aantummaa seeraa fi mirga dhala namaa kabachiisuuti jiru hubannoo akka jiraatuufidha.

2.5.7.Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa

1. **Fooyya'insa Manneen Murtii**

Waggoottan shanan darban keessatti hojiilee boonsaa fi jajjabeessa ta'an hojjetamaa turaniin uummanni mana murtii irraa tajaajila argachaa yoo turanillee, akkaataa barbaachisummaa isaatiin murtii siyaa'ina qabuu fi al-logumaa irraa bilisa ta'een tajaajilamaa kan hin turreedha. Kana malees, adeemsa hojiilee keessatti ciminni

akkuma jirutti ta'ee, hanqinaalee baay'een waan mul'ataniif sababa yookiin madda rakkoolee kanaa sakatta'uudhaan fala ka'aa yoo adeemame iyyuu bu'aa qabeessummaansaa madaalaa adeemuurratti hanqinaalee toko tokko kan mul'atan ta'uun ni beekama. Kana malees, waggoottan shanan darban keessatti akkaataa fedhii fi gaaffii uummataa dabalaa dhufe waliin tajaajila hawaasni mana murtiirraa argachaa ture rakkoo mataasaa qaba. Keessumaayyuu, hawaasni haqaasaa qarshiidhaan bitaachuun sababa rakkoolee bulchiinsa gaarii kaasan keessaa isa tokkodha. Kun immoo madda rakkoolee bulchiinsa gaarii ta'uudhaan mootummaafillee qormaata guddaa ta'eetu argama. Kanaarraa ka'uudhaan mootummaanis manneen murtii waliigala keessatti riifoormiin sadarkaa sadarkaadhaan akka adeemsifamu godhachuudhaan hanqinaalee manneen murtii waliigala sadarkaan jiran keessatti taasifameen rakkoolee fi hanqinaalee hedduu addaan baasuun danda'ameera.

2. Qulqullina Tajaajila Abbaa Seerummaa Fooyya'eera

Kenniinsa tajaajila abbaa seerummaa Manneen Murtii keessatti hanqinoota gama qulqullina tajaajilaa jiran fooyyessuudhaaf bu'aalee yeroo gabaabaa fi giddu galeessaatti galmaa'uu qaban karoorfachuun hojjetamaa jira. Haaluma kanaan waggotan darban hojiileen gurguddoon hojjetamanii fi bu'aaleen argaman akka armaan gadiitti ibsamaniiru. Labsiiwwan, danbiiwwanii fi qajeelfamootni qulqullina kenniinsa tajaajila abbaa seerummaa fooyyessuuf haaraa bahanii fi kanneen keessa deebiin fooyya'an karaa guutuu ta'een hojiirra ooluutti galameera.

Sirnaa fi caaseffama akkasumas tarsiimoon dagaagina naamusaa haaraan sadarkaa hundatti hojiirra ooleera. Akkaataa qulqullina tajaajilaa fooyyessuun hojiiwwan dandeettii humna namaa cimsuu bal'inaan hojjetamaniiru, karoora irratti, leenjiiwwan ogummaa fi dandeettii geggeessummaa cimsan bal'inaan kennamaniiru, (sadarkaa naannootti MMWO namoota 872 fi Manneen Murtii jalaatti 6,721 leenjii gabaabaa hojiirraa kennameera) barnoota yeroo dheeraanis carraan kennamee kanneen carraa argatan barachaa jiru.

Qul-qullinni galmee ykn dhimmoota murtii argatanii sirnaa fi seerri baheefii karaa seera bu'ureeffatee fi walfakkeenya qabuun paanaaliin hundaa'ee sadarkaa hundatti sakatta'amaa akka deemu ta'eera. Dhimmoota murtii argatan keessaa sadarkaa MMWO galmee adda addaa sakatta'iinsa taasifameen sadarkaa MMWO % 10.7, irra gahee jira. Haa ta'u malee komii hawwaasa keessa jiru walin yoo ilaallu ammallee waanti guddaan gara fulduraatti akka foyya'uu qaban namaatti agarsisaa.

Dhimmoota qabiyyee lafa baadiyyaa, sirna falmii adeemsa hariiroo hawaasaa akka dhaga'a duraa, mormii sadarkaa duraa fi gidduu seentummaa, hayyamsiisa dhaddachaa, dhimmoota dogoggoora bu'ura seeraa, ol-iyyannoon Mana Murtii Hawaasummaa Gandaa irraa ka'ee kan mana murtii idileetti dhiyaatu, labsii gumurukaa fi labsii hojjetaa fi hojjechisaan walqabatee raawwii irratti mirgaa dursaa kan qabu eenyuu akka ta'e, falmii waraqaan ragaa dhaaltummaaf kennamee galmee waraqaan ragaa dhaaltummaa, falmii yakka bosona irratti raawwatu ilaallatanii fi kkf irratti marii taasisuun ejjennoo walfakkaataa ykn walitti siqu akka qabatamu hojjetamaa tureera.

Tooftaawwan tilmaamamummaa fi walfakkeenya murtii fi raawwii seeraa ittiin mirkanneessan keessaa inni biraan murtiiwwan dirqisiisummaa seeraa qaban kennuu fi isaan hordofanii hojiirra oolchuu dha. Murtiiwwan hiikkoo seeraa dirqisiisoo qaban MMWO yeroo jalqabaaf kennuu eegaluun, kan Mana Murtii Waliigala Federaalaa marsaa marsaadhaan maxxanfaman sadarkaa sadarkaan guuttachaa fi hubannoo uumuudhaan hojiirra oolchaa kan turre yoo ta'u, Manneen Murtii jalaa hiikkoo seeraa dirqisiisoo kanaan dura kennaman hordofuudhaan dhimmoota 2,482 sadarkaa MMA, 677 immoo sadarkaa MMO, walumaagala 3,159 irratti murtii kennaniiru. Kunis murtiin kennamu tilmaama ta'aa akka deemu kan gargaaree dha. Murtiileen barsiisoo fakkeenyummaa qaban kan MMWO kenne 30 kan ta'an calalamanii akkaataa Manneen Murtii jalaas qaqqabuu danda'uun maxxansaaf qophaa'uutti argamu.

Gama birroon dhaddacha ijibbaataa MMWO irraa Federaalatti deemanii ilaalamaa turan galmeewwan waggatton KGT-II keessatti oliyyataman dabalatee yeroo ilaalamu galmee 1,321 keessaa kan murtiin fooyya'an 18 (%1.4), kan diigaman 73 (%5.5 walumatti kan fooyya'ee fi diigame 91 (%6.9) ta'a. Ta'us erga labsiiwwan haaraan guutuutti hojiirra oolanii asitti jechuunis dhimmoota bara baajeta 2012 oliyyatamaniin yeroo ilaalamu, dhimmoota 659 keessaa galmeen 1(%0.15) qofti diigame galmeewwan 658 (%99.8) cimuun isaanii hubatameera.

Dhaddachaalee idilee MMWO irraa gara ijibbaataatti kan oliyyataman 1,708 irraa 179 (%10.5) diigamee, 97 (%5.7) immoo fooyya'eera. Kan diigamee fi fooyya'e walumatti % 16.2 ta'eera. MMO irraa gara MMWO tti kan oliyyataman irraa kan diigame %12.56, kan foyya'e 10.80 ta'ee waliigala kan fooyya'ee fi diigame %11.71 ta'eera. MMA irraa gara MMO tti kan oliyyataman irraa kan diigame

%15.41, kan foyya'e %9.27 ta'ee waliigala kan fooyya'ee fi diigame %11.99 ta'eera. Dhibbeentaa dhimmoota diigamanii fi fooyya'anii walumatti karoorri waggaa MMWO Ijibbaata irraa gara MMWF % 0.85, MMWO dhaddacha idilee irra gara Ijibbaataatti % 7.5, MMO irraa MMWO dhaddacha idileetti % 12 fi MMA irraa gara MMO % 12 qabame waliin yeroo ilaalamu raawwii gaarii dha jechuun ni danda'ama.

Giraafii 2.88: Raawwii murtii sadrkaa dhaddacha garaagaraatti



Gama biraatiin oliyyata hir'isuun walqabatee ji'oota jahan darban dhaddacha Ijibbaataa MMWO irraa gara Federaalaatti kan oliyyatame kan murtii argatan irraa %28, MMWO dhaddacha idilee irraa ijibbaatatti %23.5, MMO irraa gara dhaddachaalee idilee MMWO %23.6 MMA irra gara MMO ammoo % 7.12 ta'ee argameera. Karoora waggaaf qabame waliin yeroo ilaalamu walduraa duubaan %10, %10, %15, fi %15 kan Manneen Murtii aanaa raawwii gaarii akka ta'e ilaaluun ni danda'ama.

Walumatti seerotaa, gurmaa'inaa fi hojimaata haaraa hojiirra oolaniin dandeettii fi hojimaatni Maneen Murtii akka fooyya'u taasisuudhaan sadarkaa qulqullina tajaajila abbaa seerummaa akka dabalu, adeemsaan maneen murtii ciccimoo, bilisaa fi logi-maleessa ta'uun haqa argamsiisuu danda'an ijaaruu ciminaan hojjatamaa jira.